**YUUNVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGUMAAFI FOKLOORII**

# SIRNOOTA MARSAA JIREENYAA OROMOO ARSII BU’URA KOORNAYAA IJAARUU, IBSUUFI DADDABARSUUTIIN

**FAANOSEE MANGISTUUTIIN**

**FINFINNEE**

**HAGAYYA, 2024 ALA**

**2016 ALI**

**Sirnoota Marsaa Jireenyaa Oromoo Arsii Bu'ura Koornayaa Ijaaruu, Ibsuufi Daddabarsuutiin**

**Waraqaa Qorannoo**

**Sagantaa Eebba Boodaa Yuunivarsiitii Addis Ababaa Koolleejjii Namoomaa, Qo'annoo Afaanii, Jornaalizimiifi Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogumaafi Foklooriitiif**

**Dhihaate**

**Ittiin Guuttannaa Gartokkee Ulaagaa Digirii Falaasama Doktoraa Afaaniifi Fokloorii Oromootiin**

**Faanosee Mangistuutiin**

**Gorsitoonni:**

1. **Xilaahun Taliilaa (PhD)**
2. **Addunyaa Barkeessaa (PhD)**

**Finfinnee**

**Hagayya, 2024 ALA**

**2016 ALI**

**Labsii**

Ani kan mallattoon koo armaan gadi jiru, qorannoon kun hojii haaraa dhuunfaa kootiifi amma dura dhaabbilee barnootaa olaanoo kam keessattuu digrii ittiin argachuufi dhimma kamiifuu hindhihaanneedha. Ani qorannoo kana hojjechuu keessatti yeroon ragaalee walitti qabadhu, xiinxalu, hiikuufi waliigalaan qorannicha qindeessu naamusaafi seera qorannoon tokko qorattootaarraa eegu hordofeen hojjedhe. Wabiileefi yaadoleen qorannicha keessatti dhimma itti bahe mara kutaa wabiilee keessatti ofeeggannoon kan wabeeffadhe ta'uusaa nan mirkaneessa.

Maqaa: Faanosee Mangistuu

Mallattoo___________________

Guyyaa_____________________

Yuunvarsiitii Addis Ababaa

Koolleejjii Namoomaa, Qo'annoo Afaanii, Jornaalizimiifi Qunnamtii

Muummee Afaan Oromoo, Ogumaafi Fokloorii

Sirnoota Marsaa Jireenyaa Oromoo Arsii Bu'ura Koornayaa Ijaaruu, Ibsuufi Daddabarsuutiin

Faanosee Mangistuutiin

Nuti koreen qortootaa qorannoon mata-dureen isaa ***Sirnoota Marsaa Jireenyaa Oromoo Arsii Bu'ura Koornayaa Ijaaruu, Ibsuufi Daddabarsuutiin*** jedhu Faanosee Mangistuu Reebaatiin hojjetameefi ittiin guuttannaa gartokkee ulaagaa Digirii Falaasama Doktoraa Afaaniifi Fokloorii Oromootiif dhihaate hojii sirriifi ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa'erratti hundaa'ee qophaa'uun kan dhihaate ta'uusaa mirkaneessineera.

Gorsitootaafi koree qortootaatiin kan mirkanaa'e:

**Gorsitoota**

1. ___________________ ___________________

Gorsaa Mallattoo

2. ___________________ ___________________

Gorsaa Mallattoo

**Koree Qortootaa**

1. ___________________ ___________________

Qoraa/rtuu (keessaa) Mallattoo

2. ___________________ ___________________

Qoraa/rtuu (Alaa) Mallattoo

**Dura Bu'aa/tuu Muummee/Hoogganaa/tuu Sagantaa: ______________________________**

# Galata

Duraan dursee Waaqa fayyaa naaf kennee na jiraachisee sadarkaa kanaan na gahe galanni isa haa gahu. Itti fufuun, yoon qorannoo kana barreessaafi qindeessaa turetti nuffii tokko malee gorsaafi yaadolee ijaaraa naaf kennuun qorannoon kun akka milkaa'u kan na gargaaraa turan, gorsitoota koo Dr. Xilaahun Taliilaafi Dr. Addunyaa Barkeessaa guddaa haa galatoomani.

Ittaansuun, qorannoon kun akka galma gahuuf, odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu akkan argadhuuf gargaarsa kan naaf taasisan Ummanni Godina Arsii: haawwonni, abboonni, hooggantoonniifi hojjetoonni aanaalee sadanii—Aanaa Heexosaa, Diksiisiifi Muunessaa yeroon barbaade kamittuu balbalasaanii banaa naaf gochuun deeggarsa naaf taasisaa turaniif galata guddaa na biraa qabu. Addatti immoo hojjetaa Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Heexosaa kan ta'an Obbo Muhaammad Aadam Faanoo yeroo dirree qorannoo turametti, ragaaleen qorannichaa akka argaman hanga baadiyyaa karaa na qajeelchuufi beekumsaan na gargaaraa kan tureef galanni koo guddaadha.

Akkasumas, dhaabbanni biyya Iswiidiin SIDA'n gargaarsa gama qarshiitiin naaf taasiseefi hojjetoonni Yuunivarsiitii Addis Ababaa akkan gargaarsa kana argadhuuf deeggarsa naaf taasisan haa galatoomani. Maatii koo—keessaayyuu, harmeen too, akkan baradhee sadarkaa kana gahu, jalqabaa kaasanii yoon ani gammadu na waliin gammadaa, yoon ani cinqamu na waliin cinqamaa deeggarsa naaf turaniif galanni koo dhuma hinqabu. Dabalees, yeroo mara na cinaa dhaabbachuun qorannoo kana hojjechuurratti gargaarsaafi yaada jajjabeessaa naaf kennuun galma gahuu qorannoo kanaatiif gumaacha kan taasise Abbaa Manaa koo barsiisaa Fiqaaduu Baldaatiif galanni koo guddaadha. Dhumarrattis firootaafi hiriyyoottan koo ani asitti maqaasaanii hineerin kan yeroon ani qorannoo kana hojjechaa turetti gama hundaan na cinaa dhaabbatanii na jajjabeessaa turan haa galatoomani.

## *Axeerara*

*Qorannoon kun dhimmoonni doornayaa duudhaa—sirnoota marsaa jireenyaa: da'umsa, gaa'elaafi boo'icha Oromoo Arsii keessatti akkamiin akka ijaaraman, ibsamaniifi daddarban xiinxaluurratti xiyyeeffate. Akkasumas, qorannichaan Sirnoonni Marsaa Jireenyaa Oromoo Arsii dhiiraa ykn dubartii akkamiin akka aangessantu ibsame. Dabalees, sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsii keessatti fakkoommiiwwan koornayaan walqabatanii jiran kanneen akkamii akka ta'aniifi; darbees, itti fufiinsiifi jijjiiramoonni dhimmoota koornayaa Sirnoota kanneen keessa jiranirratti mul'achaa jiran maal akka fakkaatantu qorannichaan xiinxalame. Kaayyoolee kanneen galmaan gahuuf, yaadxinaaleen qorannoo kanneen akka Yaaxxina Ijaarsa Hawaasaafi Ibsa Fakkoommii, Dhiheenyota Maqsaa Hawaasaafi Xiinxala Gadfagoo waliin ta'uun dhimma baasaniiru. Gama mala qorannootiin qorannichi qorannoo sanyaabsaa xiinxala gadifagoorratti hundaa'e ta'uusaatiin kaayyoolee qorannichaa kanneen galmaan gahuuf, ragaaleen bal'ina qaban karaa daaw'annaa, afgaafiifi marii garee xiyyeeffannoo yeroo bal'aa hawaasa keessa turuun walitti qabamuun mala akkamtaatiin xiinxalamani. Ragaaleen xiinxalaman akka mul'isanitti, Oromoon Arsii ilmaafi intalli waan ta'uu, raaw'achuu qabaniifi hinqabne jalqabuma dhalootarraa eegalee duudhaa fayyadamuun gama jechaafi gochaatiin barsiisaafi leenjisaa guddisa. Ilaalcha araddaa ofii-ormaa jedhuun dhiirri durba caalaa barbaadamaa, olaanaa, bu'a-qabeessaafi warraaf kan ooluudha jedhamuun faarsama. Maatiin ilmoo dhiiraa dahe 'intalli araddaa ormaati, ilmatu araddaa keenyarratti hafee dhaala, maqaa keenya waamsisa, eenyummaa keenya itti fufsiisa' jechuun kan gammadan ta'uu guyyuma dhalootaarraa karaa jechaafi gochaa mul'achuu eegala. Akkasumas, waanuma duudhaa keessatti durbi kan gochuu hindandeessu, dhiirri ni danda'a jedhanii murteessaniin deebi'anii akka durbi warra hinfayyadneetti, 'durbi maal nuuf gooti araddaa ormaati' jechaa komatu. Haalli kun cimee akka itti fufuuf, fakkoommii waan jedhamuu, raaw'atamuufi meeshaadaatiin bu'urri kaa'ama. Kunimmoo akkaatuma kanaan jalqabumarraa bu'ura godhachuun hirmaannaafi gahee dhiiraafi dubartiin hawaasa keessatti umrii isaanii guutuu qabanirratti dhiibbaa qabaata. Dabalees, ragaaleen hiikaman akka mul'isanitti, dhimmoonni koornayaa raaw'ii sirnoota marsaa jireenyaa—dhaloota, gaa'elaafi boo'icha Arsiirraa mul'atan, sababa dhimmoota hawaasa kanneen akka amantii, hawaasummaa, diinagdee, ammayyummaa, barnootaafi kkf irraa ka'een kanneen jijjiiramanii waan biraatiin bakka bu'uun loogiin koornayaa ture daraan akka cimu; kanimmoo loogiin ture akka fooyya'u taasisan jiru. Gama kaaniin immoo kanneen jijjiirama malee itti fufaniifi guutummatti dagataman jiru. Ilaalcha koornayaa loogawaa raaw'ii Sirnoota Marsaaa Jireenyaa Arsiirraa mul'atu keessatti ilmi hawaasa keessatti bakka qabaachaafi ofitti amanamummaan akka guddatu taasifama. Faallaa kanaa intalli 'an kan ormaati hanga ilmaa warra/gosa kiyya hinfayyadu' jechaa ilaalcha laafaa ta'een akka guddattu taati. Kunimmoo akka dhuunfaattis ta'ee, sabaatti ilaalcha loogawaa dhiibbaa guddaa qabuufi ilaalcha bara ammaa keessatti fudhatama hinqabne ta'uusaatiin dhimma fooyya'iinsi akkarratti ta'uuf xiyyeeffannoo guddaa barbaaduudha. Kanaaf, qaamoleen dhimmi ilaallatu—maatiin, hawaasniifi qaamoleen mootummaa sadarkaan jiran duudhaa hawaasaa garee tokko ofitti aansee kaan achi qabu akka fooyya'u, qabeenya ummataa dhiiraafi durbi qixa keessatti ilaalaman ta'ee dhalootaa dhalootatti akka darbu gochuurratti gahee isaanii akka bahaniif yaboon kaa'ameera.*



***Jechoota Ijoo:*** *Araddaa Ofii-Ormaa, Arsii, Bakka Ofdhoorkuu, Ijaarsa Duudhawaa, Ilaalcha Loogawaa, Koornayaa, Leelloo Ilmaa-Intalaa, Sirnoota Marsaa Jireenyaa*

**Hiika Jechootaafi Yaadrimeewwanii**

**Arrii Diimtuu:** arrii diimtuu jechuun arrii umrii dheerachuurraa ka'uun namatti baatuudha. Arrii diimtuu jedhamuun kan ka'u yoo nama eebbisaniidha. Kunis, cidharratti gurbaa fuudhuufi intala heerumtu yoo eebbisan umrii dheeraa waliin jiraadhaa jedhanii haawwi gaarii yoo ibsaniif, waliin bulaa, umrii dheeraa waliin jiraadhaa, 'arrii diimtuu waliin filadhaa' jechuun eebbisu.

**Araddaa Ofii-Ormaa:** yaadrimee ilmaa intalarratti hudaa'uun ka'uudha. Duudhaa keessatti ilmi yoo dhalatu araddaa keenya, araddaa keenyarratti hafee nu dhaala jechuun ibsa. Intalli immoo araddaa keenyarratti hafuun nun dhaaltu isheen araddaa ormaati jechuun ibsa.

**Ayyaana Ilaallachuu:** guyyaa namni tokko dhalate/tterratti hundaa'uun ayyaanni, hireefi carraan nama tokkoo kan ilaalamuudha. Namni tokko ayyaana dhalaterratti hundaa'uun hiree gaariifi badaa qabachuu danda'a. Ayyaanni kan ilaalamu immoo akka amantii hawaasaatti guyyaa namni tokko dhalaterratti hundaa'eeti. Namni ayyaana dhalaterratti hundaa'ee hiree badaa yoo qabaate akka amantaa hawaasaatti falootu taasifamaafi. Akkasumas, waan dalagan—intala kadhaa, dhimma jabaafi kkf yoo deeman ayyaana illaallachuun bahu.

**Baarree:** Meeshaa safuu haati gaafa intalli heerumtu aannan itti guutuun gurbaa intala ishee fuudhutti kennituudha. Aannan itti guutuun kennituufin fakkoommii durbummaa intalaatiin ibsuudha. Haati intalaa guyyaa cidhaa aannan Baarreetti guutuun gurbaa fuudhutti yoo kennitu akkuma Baarreen aannan guutuu qabdu kana intalli tiyya waan hundaan guutuu taatee sitti dhufte kan jedhu ibsuuf gurbaatti Baarree aannan guuttee kenniti.

**Baga si Hiikee:** eebba yeroo dubartii deessu bira dhaqan eebbisaniidha. Dubartiin deesse gaafa garaa qabdutti akkamiin akka deessu wanti beekamu hinjiru. Kanarraa ka'uun gaafa isheen deesse baga Waaqni haala kana keessaa si baase jechuuf, yoo mana deessuu dhaqan 'baga si hiike, baga lama taate' jechuun eebbisu. Adeemsumti ishee bira dhaqanuu 'baga si hiikee' jedhama.

**Barsee:** Barsee jechuun intala heerumtuudha. Haati intalaa intalli ishee yoo heerumtu Siinqeefi Baarree qabattee yoo gurbaan intala ishee fudhu harka ishee fuudhuu dhaqu 'Hoo Baarree, hoo Barsee' jechuun itti dhaammatti. Kanarratti Barsee jechuun intalli heerumtu kan homaa hinbeekne, akkuma dubrummaa ishee ibsuuf, Baarree aannanii guutameen fakkeessan, Barsee jechuunis kan reefu ishee biraa baatu ta'uu ibsuuf haati kana jetti.

**Boo'icha Durbaa:** kan durbi guyyaan heerumaa yoo jala gahuufi guyyaa heerumtu faaruun yaada garaa ishee —kennaa warri isheef kennuu, waa'ee nama itti heerumtuu, waa'ee abbaa, haadhaafi kkf boo'aa dhaamsa itti dabarfatuudha.

**Buna Warra Soddaa:** Buna Qalaa haati intalaa guyyaa cidhaa harka isheerraa gurbaa intala ishee fuudhu waliin dhandhamtuufi soddoonni lamaan akka waadaa gidduu isaanii jiruutti ilaalaniidha. Fakkeenyaaf, warri intala gosa gurbaa keessaa namni tokko waan badaa yoo isaanirratti dalage buna keenya nyaatanii akkana nu godhan jedhanii komatu.

**Dawoo/sumsumaa:** akka duudhaatti ilmi araddaa warraarratti hafuun sumsumaa keenya—kan ittiin gadi dhaabbannu, dawoo keenya—bakka keenya bu'uun dawoo nuuf ta'a jedhanii faarfatu.

**Dhaamsa Abbaa:** dhaamsa abbaan intalaa cidharratti gosaafi gurbaa intala isaa fuudhuuf haallatti intalasaa bulchuu qabuufi gosa isaa ilaaluu qaban ibsuuf dhaamuudha.

**Faantuu:** dur hinjirree, waan akka duudhaatti ta'uu hinqabne, garuu ta'ee argame jechuudha.

**Gaadii:** gaadiin meeshaa yoo sa'a elmaan akka saani namni hindhiitne ittiin kaadi'aniidha. Meeshaa kana fakkoommii inni waan hamaa namarraa dhoorkuuf qaburraa ka'uun dubartoonni yoo kadhaaf malkaa bu'an akka Waaqni waan hamaa isaanirraa qabuuf qabatanii dhaqu.

**Gad-naataa'i:** sirna yeroo ammaa intalliifi gurbaan gaa'elaan mana ijaarrachuuf, akka isa amma duraa hayyama warraatiin osoo hintaane, fedhuma isaanitiin walfudhatanii yoo deeman, warri gurbaa warra intalaa dhaquun intalli isaanii isaan bira akka jirtu itti beeksisan; warri intalaa gara biraa akka hindeemne itti taasisan, akka sirni fuudhaa heerumaa raaw'atuu karaa itti mijeessani. Akki itti ibsanis—"Diida hindhaqinaa, Diina hindhaqinaa intalli teessan nu bira jirti" jechuudhaani.

**Ganyaa:** aadaa Arsii keessatti Ganyaa jechuun dubartii, dubartii hortu, kan dhaloota itti fufsiistu jechuudha.

**Geegawoo:** loon warri intalli yoo heerumtu foo'aniif ykn kennaa warri intalaa yoo intalli heerumtu kennaniifiidha.

**Gufufa:** gadda haati warraa abbaan warraarraa du'e gaddituudha. Jechi kun gadda haati warraa abbaa warraaf gadduuf taasiftu ibsuuf oola malee, gadda namni biraa nama du'eef gadduuf taasisu ibsuuf hin oolu. Kunis, gaddi haati warraa abbaa warraa du'eef gadditu qaama ishee miidhuu, intillee isa waliin irra rafaa turterra rafuu dhiisuufi gochaalee ishee miidhan ofkeessatti qabata waan ta'eef, gadda nama biraarra adda.

**Haalli hinjiru saalli hinjiru:** sababa dhimmoota yeroo keessa dhufanii gochaaleen aadaafi safuu ummataa balleessan mul'annaan, qaaniin dhabamnaa, abboonni yaada kanaan ibsani.

**Hanfalaa/hanfallaafummaa:** hanfalaan meeshaadaa gogaa/jibriirraa hojjetamu haawwan mudhiin ittiin hidhataniidha. Hanfallaafummaa/Garalaafummaa jechuun immoo jecha Hanfalaa jedhu kanarraa ka'uun dubartoonni gara-laafoo ta'uu ibsuuf kan jedhamuudha.

**Hoboxaa:** marqa yeroo dubartiin deesse marqamuufi sirnoota dubartii deesseef taasifamaniin walqabatee marqamuudha.

**Leelloo:** ilaalcha nama tokkorra nama biraa caalchisuu, faarsuuti. Maatiin ilmi qa'ee/araddaa keenya dhaala jechuun ilma intalarra leellisu ykn faarsu.

**Maandhaa:** ilma quxuusuu/dhumaa warra kunuunsu; kunuunsi warraa isatti hafu jechuudha.

**Mucaafi Micayyoo:** sirna fuudhaa heerumaarratti gurbaan fuudhu mucaa, intalli heerumtu micayyoo jedhamanii kan yaamama; fakkeenyaaf, micayyoo mucaan warra ebeluu kadhate san, mucayyoon mucaa kiyyaa, mucayyoon—intalli tiyyaafi kkf jedhamee kan ibsamu jechuudha.

**Nadheen:** dubartii heerumte kan ibsuudha. Ilaalchuma jechi dubartii jedhu ilaalcha laafaan ilaalamu, jechi nadheen jedhus yoo ka'u ilaalcha laafaa isaan walqabsiisuun dubartii yoo ibsan nadhee, nadhoo jechuun dubbatu. Haa ta'u, jecha kana hiiknisaa akka haawwoniifi abboonni ibsanitti, bu'uraan yoo ilaalamu jecha 'nadha' jedhurraa dhamjecha maxxanfachuun gara nadheen—hawween, barbaadeen jedhutti jijjiiramuun kan dhufeedha. Kanaaf, jechi kun jecha dubartii ittiin gadiqabuuf jedhamu osoo hintaane, jecha dubartii kan haawwamtu ta'uuf mul'isuuf jedhamuudha.

**Qanafaa:** meeshaadaa dubartiin deesse wayyuu ta'uu ibsuuf saala daa'ima deessarratti hundaa'uun yoo dhiira deesse ji'a ja'a/afur, yoo durba deesse ji'a shan/saditti godhatuudha.

**Qanafaa Bobbaasuu:** sirna dubartii deesse saala daa'ima deesseerratti hundaa'uun Qanafaa godhachaa turte, sirnaan ofirraa itti buustu.

**Qora Mataa Miilaa:** gaalee sirna gumaa baasuun walqabatuudha. Sirna gumaa baasuurratti jaarsolee gama warra namnirraa du'een jiran—qora mataa jedhamu, jaarsolee gama warra ajjeesseen jira—qora miilaa jedhamu. Kanaaf, sirna gumaarratti jaarsoleen gahee bahan qora mataafi miilaa jedhamuun wwamamu.

**Rakoo**: sirna abbaan warraa haati warraa kan isaa ta'uu guyyaa fuudhe hoolaa Rakoo itti qaluun mirkaneessuudha. Yeroo amma amantiirratti hundaa'uun sirni Rakoo Nikaayaan bakka bu'e.

**Suubboo**: dhiira fuudheefi qeerrummaasaa gateen—osoon fuudhiin oliifi gadi jedheen suubboo jedhu. Akka duudhaatti dhiirri tokko yoo dafee fuudhuu dide suubboo jedhuuni.

**Waarsaa**: nama gosa gurbaa keessaa yoo gurbaan akka carraa ta'ee lubbuun darbe haadha warraasaa dhaaluuf seerri kennuufi jechuudha.

**Wadeessa**: gurbaa fuudhuutu waddeessa jedhama. Waddeessa jechuun korma jechuudha. Kanarra ka'uun akka Arsiitti gurbaan fuudhu korma ta'uusaa ibsuuf, guyyaa ciinisaa boru jedhamu hoolaa waddeessaa qalachuun beendhecha irraa baasee farda fuudhu ittiin deemutti hidhata.

**Kottoonfeefi Gabaajeewwan**

Fkn: fakkeenya

Fkn'f: fakkeenyaaf

Ykn: yookaan

ff: fuula

Isuma: namni dura waabeffatame irra deebiin yoo waabeffatame. Isa Afaan Ingiliffaatiin 'Ibid' jedhu.

Isuma: barreessitoota yaadni isaanii armaan dura ka'e ibsuuf

'tti: akka ebeluutti; maqaa namoota Afaan Oromootiin hinbarreeffaminirratti

wk: warra kaan

BATA: Biiroo Aadaa Turizimii Aanaalee

BATO: Biiroo Aadaa Turizimii Oromiyaa

SMJ: Sirnoota Marsaa Jireenyaa

# Baafata

**Mata Duree** **Fuula**

**Galata** ........ **i**

*Axeerara* ........ **ii**

**Hiika Jechootaafi Yaadrimeewwanii** ........ **iii**

**Kottoonfeefi Gabaajeewwan** ........ **vii**

**Tarreeffama Gabateefi Taatoowwanii** ........ **xiv**

**Boqonnaa Tokko** ........ **1**

**1. Seensa** ........ **1**

1.1. Seenduubee Qorannichaa ........ 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ........ 4

1.3. Gaafilee Qorannichaa ........ 9

1.4. Kaayyolee Qorannichaa ........ 9

1.4.1. Kaayyoo Gooroo ........ 9

1.4.2. Kaayyolee Gooree ........ 9

1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 10

1.6. Faayidaa Qorannichaa ........ 11

1.7. Hanqina Qorannichaa ........ 12

**Boqonnaa Lama** ........ **14**

**2. Sakattaa Barruuwwanii** ........ **14**

2.1. Yaadrimee Sirnaa ........ 14

2.2. Gosoota Sirnaa ........ 17

2.3. Sirnoota Marsaa Jireenyaa ........ 18

2.3.1. Sirna Da'umsaa ........ 20

2.3.2. Sirna Gaa'elaa ........ 21

2.3.3. Du'a ykn Sirna Boo'ichaa ........ 25

2.4. Yaadrimee Koornayaa ........ 28

2.4.1. Koornayaafi Saalaa ........ 28

2.4.2. Gahee Koornayaa ........ 29

2.4.3. Eenyummaa Koornayaa .......... 30
2.4.4. Loogii Koornayaa .......... 31
2.5. Gooroowwan Fokloorii—Sirnoota Marsaa Jireenyaa Koornayaa Ijaaruurratti .......... 33
2.5.1. Seera Bakka Jireenyaa .......... 37
2.5.2. Ijaarsa Koornayaa Sirnoota Marsaa Jireenyaan Taasifamu Keessatti Gahee Gooroowwan Fokloorii Biroo .......... 38
2.6. Ilaalcha Koornayaa Oromoo .......... 40
2.7. Sirna Bulchiinsa Dubartii ykn Dhiiraa (Patriarchy and Matriarchy) .......... 43
2.6.1. Sirna Bulchiinsa Dubartii .......... 43
2.6.2. Sirna Bulchiinsa Dhiiraa .......... 44
2.8. Yaaxxinaalee Qorannichaa .......... 46
2.8.1. Yaaxxina Ijaarsa Hawaasaa .......... 46
2.8.2. Yaaxxina Ibsa Fakkoommii .......... 50
2.8.3. Dhiheenya Maqsaa Hawaasaa (Social Exclusion) .......... 51
2.8.4. Dhiheenya Xiinxala Gadifagoo Duudhaa: Sirnoota Marsaa Jireenyaa .......... 56
2.9. Fireemii Yaadrimeewwanii (Conceptual Framework) .......... 58
**Boqonnaa Sadi .......... 62**
**3. Malleen Qorannichaa .......... 62**
3.1. Saxaxa Qorannichaa .......... 62
3.2. Falaasama Qorannichaa .......... 63
3.3. Iddattoofi Tooftaalee Iddatteessuu .......... 63
3.4. Madda Ragaalee .......... 64
3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee .......... 65
3.5.1. Daaw’annaa .......... 66
3.5.2. Af-gaafii .......... 68
3.5.3. Marii Garee Xiyyeeffannoo .......... 69
3.6. Meeshaalee Galmeessa Ragaalee .......... 70
3.6.1. Yaadannoo Qabachuu .......... 70
3.6.2. Suuraa Kaasuufi Waraabbii Sagalee/Suursagalee .......... 71

3.7. Adeemsa Ragaalee Barreeffamatti Jijjiiruu, Qindeessuufi Xiinxaluu ... 72
3.8. Naamusa Qorannoo ... 73
**Boqonnaa Afur ... 75**
**4. Seenduubee Naannoofi Aad-hawaasa Qorannoo ... 75**
4.1. Oromoo Arsii ... 75
4.2. Qilleensa Baramaafi Haala Teessuma Lafa Arsii ... 77
4.3. Bu'ura Jireenyaafi Sochii Diinagdee ... 79
4.4. Aadaa ... 82
4.5. Amantii ... 89
4.6. Hariiroo Firoomaafi Warroommii ... 91
**Boqonnaa Shan ... 97**
**5. Sirnoota Marsaa Jireenyaa Koornayaa Ijaaruu, Ibsuufi Daddabarsuurratti ... 97**
5.1. Sirna Dhalootaa Oromoo Arsii Koornayaa Ijaaruu, Ibsuufi Daddabarsuurratti ... **97**
5.1.1. Ilaalcha Oromoo Arsii Ilmoo Argachuufi Saalli Ilmoo Maal ta'uu Akka Qaburratti ... 98
5.1.2. Garaatti Baachuu/Ulfaa'uufi Qophiifi Kunuunsa Yeroo Kanaa ... 101
5.1.3. Gochaalee Guyyaa Da'umsaafi Da'umsa Boodaa ... 102
5.1.4. Duudhaa Oromoo Arsii keessatti Yaadrimee Araddaa Ofii-.Ormaa ... 112
5.2. Sirna Gaa'elaa Oromoo Arsii Koornayaa Ijaaruu, Ibsuufi Daddabarsuurratti ... 122
5.2.1. Gosoota Fuudhaa Heerumaa Arsii ... 122
5.2.2. Sirna Gaa'elaa Kadhaa Keessatti Adeemsa Intala Ilaallachuu ... 127
5.2.3. Sirna Gaa'elaa Kadhaa Keessatti Ergachuufi Saddeeta Dhaabbachuu ... 136
5.2.4. Sirna Gaa'elaarratti Qophii Cidhaa ... 139
5.2.5. Sirna Gaa'elaarratti Hooffaltii Waddeessaa Baarree ... 141
5.2.6. Baye Bayee ykn Boo'icha Durbaa Ko'ummaa Intala Heerumtuu Mul'isan ... 146
5.2.7. Dhaamsa Gaa'elarratti Intala Heerumtuun Walqabatee Dhaamamu ... 152
5.2.8. Simannaa Intalaa Warra Gurbaatti ... 157
5.2.9. Misirroof Maqaa Baasuu ... 159
5.2.10. Sirna Dhoofsisa ... 160
5.2.11. Waarsaa ... 161

5.3. Sirnoota Yeroo Boo'ichaa Oromoo Arsiin Raaw'ataman Koornayaa Ijaaruu, Ibsuufi Daddabarsuurratti ..... 163

5.3.1. Du'aan Walqabatee Hubannaa Hawaasaa ..... 163

5.3.2. Boochisa/Hoolamanshoo Du'a Dhiiraafi Dubartii ..... 165

5.3.3. Boo'ichaan Ergaa Dabarfachuu ..... 167

5.3.4. Booyaan Galachuu ..... 173

5.3.5. Sihaa Jabeessuu Haadha Warraafi Abbaa Warraa ..... 175

5.3.6. Gufufa ..... 177

5.3.7. Kaaya Baasuu ..... 178

5.3.8. Dhaalamuu Haadha Warraa Abbaan Warraarraa Du'ee ..... 180

5.3.9. Sirna Gumaa ..... 181

**Boqonnaa Jaha ..... 183**

**6. Fakkoommii Koornayaa Raaw'iilee Sirnoota Marsaa Jireenyaa Oromoo Arsii keessatti Mul'ataniifi Ibsanisaanii ..... 183**

6.1. Fakkoommii Sirna Da'umsaarratti Mul'atu ..... 183

6.1.1. Fakkoommii Waan Jedhamuun Sirna Da'umsaarratti Mul'atu ..... 183

6.1.2. Fakkoommii Waan Sirna Da'umsaarratti Raaw'atamuun Mul'atu ..... 186

6.1.3. Fakkoommii Meeshaadaan Sirna Da'umsaarratti Mul'atu ..... 188

6.2. Fakkoommii Sirna Gaa'elaarratti Mul'atu ..... 190

6.2.1. Fakkoommii Karaa Waan Jedhamuu Sirna Gaa'elaarratti Mul'atu ..... 190

6.2.2. Fakkoommii Sirna Gaa'elaarratti Waan Raaw'atamuun Mul'atu ..... 192

6.2.3. Fakkoommii Sirna Gaa'elaarratti Meeshaadaan Mul'atu ..... 197

6.3. Fakkoommii Sirna Boo'ichaarratti Mul'atu ..... 199

6.3.1. Fakkoommii Sirna Boo'icharratti Waan Jedhamuun Mul'ate ..... 199

6.3.2. Fakkoommii Sirna Boo'ichaarratti Gochaan Mul'atu ..... 202

6.3.3. Fakkoommii Sirna Boo'ichaarratti Meeshaadaan Mul'atu ..... 203

**Boqonnaa Torba ..... 205**

**7. Sirnoota Marsaa Jireenyaa Oromoo Arsii Dubartii-Dhiira Aangessuurratti: Ilaalcha Araddaa Ofii-Ormaarratti Hundaa'uun ..... 205**

7.1. Ilaalcha Araddaa Ofii-Ormaa Hangafummaafi Quxisummaa Ilmaa Intalaa Murteessuurratti ........................................................................................................205

7.2. Ilaalcha Araddaa Ofii-Ormaa Gaheefi Hirmaannaa Dubartii-Dhiiraa Murteessuurratti ... 208

7.3. Ilaalcha Araddaa Ofii-Ormaa Aangoo Murtee Kennuu Nama Gonfachiisuurratti ....................... 213

7.4. Ilaalcha Araddaa Ofii-Ormaafi Hanfallaafummaa ........................................................... 218

7.5. Ijjannoo Dubartootaa Ilaalcha Duudhawaa Dubartummaarratti ................................................. 222

7.5.1. Raaw'iilee Sirna Da'umsaarratti Jechaafi Gochaan Raaw'ataman .................................. 224

7.5.3. Raaw'iilee Sirna Gaa'elaarratti Haawwaniin Raaw'ataman ............................................ 231

7.5.4. Raaw'iilee Sirna Boo'ichaarratti Haawwaniin Raaw'ataman .......................................... 234

7.5.5. Hubannoo Dubartootaa Dhiibbaa Isaanirra Gahuurratti .................................................. 235

7.5.6. Mormii Dubartootaa Gooroowwan Fokloorii—Sirnoota Marsaa Jireenyaa Oromoo Arsii keessatti 236

**Boqonnaa Saddeet................................................................................................................ 240**

8. Itti Fufiinsaafi Jijjiiramoota Sirnoota Marsaa Jireenyaa Oromoo Arsiirratti Mul'atan................. 240

8.1. Jijjiiramootaafi Itti Fufiinsa Sirna Dhaloota Oromoo Arsiirratti Mul'atan....................... 242

8.1.1. Jijjiiramootaafi Itti Fufiinsa Qophii Dubartiin Dahumsaaf Taasisturratti Mul'atan ......... 242

8.1.2. Jijjiiramoota Bakki Da'umsaa Manaa Gara Mana Yaalaa Ta'uun Dhufan....................... 243

8.1.3. Itti Fufiinsaafi Jijjiiramoota Sirna Qanafaatiin Walqabatan ............................................ 244

8.1.4. Fooyyaniinsa Ilaalcha Hawaasaa Dhaloota Durbaatiin Walqabatee Ture ........................ 247

8.2. Itti Fufiinsaafi Jijjiiramoota Sirna Gaa'elaa Oromoo Arsiirratti Mul'atan .................................. 248

8.2.1. Jijjiiramootaafi Itti Fufiinsa Gosoota Gaa'elaa Oromoo Arsiirratti Mul'atan .................. 248

8.2.2. Jijjiiramootaafi Itti Fufiinsa Gochaalee Gaa'ela Duraa.................................................... 249

8.2.3. Jijjiiramootaafi Itti Fufiinsa Gochaalee Yeroo Gaa'elaa.................................................. 254

8.3. Itti Fufiinsaafi Jijjiiramoota Sirna Boo'ichaa Oromoo Arsiirratti Mul'atan ................................ 260

8.3.1. Itti Fufiinsaafi Jijjiirama Boochisa Nama Du'eerratti Mul'ate ........................................ 260

8.3.2. Jijjiiramootaafi Itti Fufiinsa Du'a Haadhaafi Abbaan Warraan Walqabatan .......................... 261

8.3.2. Itti Fufiinsaafi Jijjiirama Nama Du'eef Kaaya Baasuurratti Mul'ate............................... 263

8.3.3. Jijjiiramuu Sirna Soodduu Dhaabuu .................................................................................... 264

8.4. Sochiilee Duudhaalee Laafan Dandamachiisuufi Deebisanii Ijaaruu .......................................... 264

**Boqonnaa Sagal................................................................................................................... 269**

**9. Goolabaafi Yaboo** .......... **269**
9.1. Goolaba .......... 269
9.2. Yaboo .......... 275
9.3. Qorannoo Ofduraatiif .......... 279
**Wabiilee** .......... **280**
**Dabaleewwan** .......... **xiv**
Dabalee A .......... xiv
Gaaffilee Qajeelchoo afgaafii manguddooleef dhihaatan: .......... xiv
Dabalee B .......... xvi
Odeeffannoo Odeef-kennitootaa .......... xvi
Dabalee C .......... xviii
Kaartaa Naannoo Qorannoo Agarsiisu .......... xviii

**Tarreeffama Gabateefi Taatoowwanii**

**Taatoo 1:** Taatoo hariiroo yaaxxinaaleeniifi dhiheenyonni boqonnaalee qorannichaa keessatti qaban ibsu yaada dhuunfaarraa madde ……………………………………………………….58

**Taatoo 2.** Fireemiin Yaadrimeewwan Qorannichaa yaada Barriteau (2001) irratti hundaa’uun 59 fooyya’ee dhihaate…………………………………………………………….……………76

**Taatoo 3.** Hidda Latiinsa Oromoo Arsii agarsiisu Kitaaba Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa jedhurraa fudhatame…………………………………………………………………………..71

**Gabatee:** Cuunfaa itti fufiinsaafi jijjiirama Sirnoota Marsaa Jireenyaa Arsii Agarsiisu……....266

**Taatoo 4.** Cuunfaa itti fufiinsaafi jijjiirama Sirnoota Marsaa Jireenyaa Arsii Agarsiisu………268

# Boqonnaa Tokko

## 1. Seensa

Qorannoon kun kan xiyyeeffatu, duudhaa Oromoo keessaa tokko kan ta'e, duudhaan sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsii akkamiin koornayaa akka ijaaruu, ibsuufi daddabarsuurratti. Qorannoo kanaan wanti qoratame, sirnoota marsaa jireenyaa isaan hangafoota ta'an kanneen akka sirna da'umsaa, gaa'elaafi goo'ichaa/du'aa keessatti koornayaan akkamiin ijaaramuun akka ibsamuudha. Sirnoonni marsaa jireenyaa kan namni tokko/takka marsaa jireenya isaa/ishee keessatti keessa darbu/itu kunneen bakka dhiirri/dubartiin hawaasasaanii keessatti qabaachuu danda'anis murteessaa deemu. Kanaaf, kunis dhimma qorannoo kanaan irratti xiyyeeffatameedha. Boqonnaa kana keessatti qabxiileen dhihaatan yaadrimeen sirnoota marsaa jireenyaa akka waliigalaatti sadarkaa Ardii (Afrikaa) fi akka addaatti immoo sadarkaa Itoophiyaa/Oromiyaatti maal akka fakkaatu ibsuun adeemsifamuu qorannichaaf maaltu bu'ura akka ta'e ibsame. Ittaansuun qorannoo kun qaawwa akkamii duuchuuf akka adeemsifame kan ibsu ka'umsi qorannoo dhihaachuun, isa hordofuun qorannooleen akka Oromiyaafi Arsiitti sirnoota marsaa jireenyaafi gooroowwan fokloorii biroorratti hundaa'uun dhimmoota koornayaan walqabatanii adeemsifaman ibsamani. Ittifufuun immoo gaafilee qorannoo kan qorannichaan deebii argatan, kaayyoolee, daangaa, faayidaafi hanqina qorannichaatu dhihaate.

### 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Ummata kamiiyyuu biratti dubartiifi dhiirri duudhaafi aadaa ummatichaarratti hundaa'uun haalatti fudhatamaniifi hubataman qabu. Akka Oromootti, akkuma duudhaasaa irraa hubachuun danda'amu, dubartiifi dhiirri qaamota walitti dhufeenya dhaabbataa uumamoota addunyaa biroof bu'ura ta'e qaban jedhama (Nagara, 2017). Walitti dhufeenyi isaanii kun kan inni tokko tokko malee ykn dhiirri dubartii malee, dubartiin dhiira malee akka hinjiraanne mul'isuudha.

Sirnoota marsaa jireenyaa—adeemsa namni tokko jireenya keessatti gulantaa jireenyaa isa tokkorraa isa ittaanutti darbuuf taasisuufi jijjiirama wayii itti argurratti (Forth, 2018; Markstrom and Iborra, 2003; McNeill, 2013; Stephens, 2005; Van Gennep, 1909) hundaa'uun; keessaayyuu, kan Afrikaa dubartiifi dhiirarraa maaltu akka eegamu daangaa kaa'uun haalatti koornayaa ijaaruun ibsantu jira (Nwadiokwu fi wk, 2016). Duudhaa keessatti waan dubartiifi dhiirri ta'uu

qabaniifi isaanirraa eegamu hubachiisuu keessatti bakkiifi ilaalchi dhiiraafi dubartiif ykn ilmaafi intalaaf kennamu adda (Mulamba, 2013). Daangaan dubartiifi dhiirri akka keessa socho'aniif kenname, daangaa jarri lamaan qixa keessatti sochoo'uu danda'an miti. Innis, kan tokko keessatti olaantummaa argatu—fakkeenyaaf, kan dhiirri dubartiirra keessatti leellifamuufi sona gaarii itti qabaatuufi bu'a-qabeessa ta'uudha. Qorannoon biyyoota Eeshiyaa tokko tokkorratti adeemsifame akka mul'isutti, biyyoota Eeshiyaa keessatti dhaloota intalaarra kan ilmaatu barbaadama (Basu & Jong, 2007; Milazzo, 2014). Akka Milazzo'tti, ilaalchi kun biyyoota Afrikaa Sahaaraa gara gadii keessattis bal'inaan mul'ata.

Sirnoota marsaa jireenyaa guyyaa dhalootaa nama tokkoorraa eegaluun sirna gaa'elaafi du'aa dabalachuun marsaa jireenya nama tokkoo keessatti bakka namni tokko akka dhiiraa/dubartiitti hawaasa keessatti qabaachuu qabuufi waan isa/isheerraa eegamu hubachiisuun nama tokko sadarkaa jiruu isa tokkoorraa kan ittaanutti sirnaan deeggaranii kan ceesisaniidha (Markstrom and Iborra, 2003). Qorattoonni garagaraa qorannoon akka ifoomsanitti, sirnoonni marsaa jireenyaa ummatoonni Afrikaa garagaraa raaw'atan sirna dhalootarraa eegalee ce'umsa ilmi/intalli umriin gahuu ibsu, sirna gaa'elaafi du'aarratti kanneen hundaa'aniidha. Kunis, akka Ezenweke (2016) qorannoo biyya Naayjeriyaatti (sirna ce'umsaa ga'eessummaafi gaa'elaa) saba Igbo jedhamurratti hojjeteen ibse, sirnoota kanneenirratti hundaa'uun namni tokko sadarkaa jireenyaa tokko isa biraatti ceha/ceeti; gulaantaa jireenyaa ittaanu bara/rti. Namni kun/tun sadarkaa ittaanu sanatti yoo cehe/ceete gahee bakka haaraa sanatti isa/ishee eeggatu akka bahuuf/baatuuf leenjiin duudhaa abbootiin/haawwonni fayyadamaa turanirratti hundaa'ee ijoollee durbaafi dhiiraatiif kennama. Biyya Naayjeeriyaa akka saba Igbo'tti ijoolleen durbaa gaa'elaan dura ji'a sadii hanga jahaa iddoo addaa turuun haawwotiidhaan sirna ga'eessummaa boru ulaagaa niitummaa gaarii isaan guuchisuun leenji'uun heerumaaf qophaa'u. Ijoolee dhiiraas akkasuma leenjii addaa boru akkatti mana bulchuu danda'an isaan taasisutu kennamaafi.

Duudhaa biyya Zaambiyaa keessattis ijoolleen durbaa yeroo jalqaba laguun isaanitti dhufu qophaatti bahuun leenjii niitii gaarii fedhii dhiirsaa—keessaayyuu, gama saalqunnamatiitiin akka guutaan isaan taasisu fudhatu (Talakinu, 2018). Yeroo kana namoonni qaamaan, xiinsammuufi hawaasummaan ofummaa duraanii dhiisanii ofummaa haaraatti cehu. Fakkeenyaaf, ijoolleen gara ga'eessotaa, dubartiin gara niitummaafi haadhummaa, dhiirri gara dhiirsummaafi

abbummaatti cehu. Akka Ezenweke, (2016: 27) hima Afaan Ingiliffaa kan “In the course of this training, the secret and sacred issues of life are learnt” jedhuun ka’eetti, yeroo ce’umsa namoonni sadarkaa jireenyaa tokkoo isa ittaanutti cehan iccitiifi wantoota safuu/ulfoo ta’an kan jireenya namguddummaa keessatti baraman hubachaa deemu.

Nwadiokwu fi wk (2016) faan akka ibsanitti, biyyoota Afrikaa adda addaa keessatti dhaloota dura, yeroo dhalootaafi dhaloota booda sirnoonni adda addaa—fakkeenyaaf, nyaataafi dhugaatiis dabalatee qophiileen adda addaa taasifamu. Fakkeenyaaf, da’umsaan dura iddoo da’umsaa murteessuu; yeroo da’umsaa namoonni akkamii biratti argamuu akka qabaniifi erga deesseen booda haalli gammachuutti ibsataniifi sirni hobbaattii awwaaluufi kkf akkuma aadaafi duudhaa hawaasa keessatti raaw’atamuutiin taasifama. Da’umsaan booda immoo guyyaa muraasaan booda ykn yeruma dhalootaa daa’ima dhalatteef sirni maqaa baasaa taasifama. Akkasumas, akka aadaa saboota Afrikaa tokko tokkootti dubartii garaa qabduuf ofeeggannoo tokko tokkotu taasifamaafi (Isuma). Kanaan walqabatee sirnoota marsaa jireenyaa Itoophiyaatti yoo dhufnu, akka Nwadiokwu fi warra kaan yaada qorattoota adda addaa hundaa’uun ibsanitti, sabaafi sablamoonni biyyattii sirnoota marsaa jireenyaa—da’umsa, gaa’elaafi du’a/boo’icha haala raaw’ii tokko tokkoon adda adda ta’an raaw’atan qabu. Saboota Itoophiyaa keessaa saba Maa’oo irratti hundaa’uun Nwadiokwu fi warra kaan akka ibsanitti, dubartiin ulfaa hanga deessuutti qulqullummaa da’umsa isheetiifi darbees, fayyummaa qaamaafi xiinsammuu ishee akka eegamuuf jedhamuun abbaa warraa waliin fuula fuulatti walitti hinhaasoftu; karaa gidduu-deemaa/tuutiin walitti dubbattu.

Dhalootaarratti maatiin akkuma daa’imti dhalattee saalli barameen waan jedhuufi raaw’atuun daa’ima durbaafi dhiiraa haala adda adda ta’een kunuunsuu eegala (Carter, 2014; Lorber, 1994). Kunuunsi taasifamus—karaa jechaafi gochaa, daa’imni dhiiraa kan durbaatii olta’uu ijaaruufi leellisuus ofkeessatti hammata (Lindsey, 2015). Adeemsi ilma intalarra faarsuu akka aadaa saboota tokko tokkootti, dhaloota daa’imaan dura—ilmi akka dhalatu hawwuu fa’aan calaqqisuu eegala (Hofman, 2010). Akkuma sirna dhalootaa, sirna gaa’elaarrattis Grosz-Ngaté (1989) akka ibsetti, wantoonni gaa’elarratti jedhamaniifi raaw’ataman—fakkeenyaaf, sirboonni gaa’elarratti sirbaman, durbi heerumaan bakkatti dhalatte dhiistee deemuun ko’eetti akka taate kanneen ibsaniifi dhiirummaa dubartummaarra kan leellisaniidha. Akkasumas, aadaa saboota addunyaa

baay’ee keessatti gaa’elli yoo ijaaramu dhiirri gaafataa, dubartiin immoo gaafatamtuu ta’uun olaantummaa dhiiraa kan mul’isuudha. Raaw’ileen sirnoota marsaa jireenyaa kan sirna boo’ichaarratti raaw’atamanis dhiirri dubartiirra bu’a-qabeessa akka ta’e, dhalachuu akka qabu kanneen jajjabeessaniidha (Leone fi warra kaan, 2003). Aadaa saboota Afrikaa hedduu keessatti saala nama du’eerratti hundaa’uun wanti dubartiifi dhiirri raaw’atan, haalli itti gaddan—fakkeenyaaf, abbaan warraa yoo du’e haati warraa baay’ee akka gadditu kan taasifamuufi kkf adda; darbees, loogiis qaba (Moyo, 2014; Nwadiokwu fi warra kaan, 2016).

Saba duudhaarratti hundaa’e ta’uun Oromoon—keessayyuu, Oromoon Arsii, sirnoota marsaa jireenyaa kanneen akka da’umsaa, gaa’elaafi du’aarratti hundaa’uun akkatti koornayaa ijaarutu jira. Dhalootumarraa ka’ee maatiin tokko akka ilmoo argatuuf kan eebbifamu yoo tahe ilaalcha ilmi intalarra warraaf oola jedhurraa ka’uun ‘ilma argadhaa’ jedhamuun yaada ilmi intalarra barbaachisaadha jedhu ibsuun dhaloota ilmaa leellisu. Jalata (2013) aadaafi duudhaa Oromoo Gujiirratti hundaa’uun akka ibsetti, yaada intalli ni heerumti, yeroon isheen warra ishee biratti dabarsitu xiqqaa jedhurraa kan ka’een sirna kabaja dhalootaarratti ilmoon dhiiraa kan durbarra bu’a-qabeessa jedhamuun leellifama. Yaaduma kana fakkaatu Hofman (2010) yoo ibsitu, yeroon ilmoon dubaraa takka maatii ishee bira turtu murtaa’aa ta’uun, biyya Sarbiyaatti dhalachuun durbaa gammachuu osoo hintaane, aariidhaan ibsama. Kanarraa ka’uun gaa’elarratti milkiin tolee ilmi akka dhalatuuf, guyyaan cidhaa guyyoota akka aadaatti guyyoota dubartii jedhaman Sanbat-duraa, Dilbataafi Roobiirra akka hinoolle ofeeggannoon taasifama (Isuma).

Wanti yeroo dhalootaa ta’uufi sirna guddisa daa’ima tokkoo/takkaa keessatti mul’achaa deemuufi gochaaleen sirna gaa’elaafi boo’chaarraa calaqqisan kunneen bakkaafi sona boru dubartiifi dhiirri hawaasa keessatti qabaachuu malan murteessaa deemu. Dhimmoonni akkanaa kunneen—jechuun shoorri sirnoonni marsaa jireenyaa ijaarsa koornayaarratti qaban waliigalaan akka Oromoottiifi addatti immoo akka Oromoo Arsiitti waan qorattoonni garagaraa waa’ee dubartootaafi fokloorii yoo qoratan tuttuqaniin darbaniin alatti wanti hojjetame waan hinjirreef, qorannichaan irratti xiyyeeffatame.

### 1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Oromoon duudhaalee hedduu kan jiruu jireenya keessatti dhimma itti bahu qaba. Isaan keessaa tokko duudhaalee sirnoota marsaa jireenyaati. Sirnoonni marsaa jireenyaa sirna namni tokko

guyyaa dhalootarraa qabee hanga guyyaa du’aatti keessa darbu; kan namni tokko jireenya keessatti jijjiirama wayii itti arguufi sadarkaa dur qaburraa isa tokkotti darbuudha (Debika, 2010; Ezenweke, 2016; Forth, 2018; Markstrom and Iborra, 2003; Stephens, 2005; Van Gennep, 1909). Sirnoonni kunneen kan marsaa jireenya nama tokkoo keessatti guyyaa dhalootarraa eegaluun hanga guyyaa du’aatti raaw’ileen adda addaa raaw’atamuun kabajamaniifi adeemsifamaniidha. Sirnoota marsaa jireenyaa kanneen keessatti saala namaa (dubartiifi dhiiraa) irratti hundaa’uun raaw’ileen raaw’ataman yeroon itti walfakkaataniifi addaa addummaa qabaatan—yeroonitti saala tokko (dhiira) faarsaniifi kaan (dubartii) gadi qaqqaban jira. Kana jechuun, sirnoota kanneen keessatti wanti dhiiraafi dubartiirratti hundaa’uun raaw’atamu adda ta’uudhaan haalitti sirnoonni kunneen ilaalcha koornayaa loogawaa ijaaruun ibsan jira jechuudha.

Ijoon kun duudhaalee Oromoo isaan ijoo ta’an—duudhaalee sirnoota marsaa jireenyaa keessatti bal’inaan mul’ata. Kunimmoo akkuma adeemsifamuu qorannoo kanaaf sababa ta’e, dhimma xiyyeeffannoo barbaaduufi qoratamuu qabu ta’eeti natti mul’ate. Gaafa kutaa barnoota PhD keessa turretti, barattoota yeroo san barnoota waliin eegalle kan baay’inni keenya saddeet ta’u keessaa dubartiin anuma qofa ture. Yeroo kana barsiisonni barnoota nu barsiisanirratti ijoowwan dhimma koornayaatiin walqabatan (akkuma beekamu, dhimmi koornayaa yoo ka’e waa’ee dubartii qofa akka xiyyeeffatuutti fudhatama) akkan ani hojjedhu anarratti xiyyeeffatu ture. Haalli kunimmoo raacetiin ykn muuxannoon ani hawaasa keessatti guddadhe keessaa sirnoota marsaa jireenyaarratti hundaa’uun koornayaan walqabsiisee qabu waliin ta’uun duudhaan akkamiin koornayaa akka iijaarurratti akkan xiyyeeffadhuuf karaa natti agarsiise.

Hawaasan ani keessatti dhaladhee guddadhe keessatti akkuma hawaasa kamuu, jechaanis haa ta’uu gochaan guyyaa dhalootarraa eegalee ilmi intalarra yoo leellifamuufi caalchisamu mul’ata. Kanarraa ka’uun, haala kana argaa/hubachaa guddachuu kootiin ani durumaa bakkaafi sona dubartiifi dhiirri hawaasa keessatti qabanirratti gaafii ‘Maalif? jedhun qaba ture. Akkasumas, yeroon hojiirra ture haalonni bakkan ana hojjechaa turetti na muudatan, iddoolee hojii—biiroolee garagaraa sababa hojiif deeme keessatti na qunnaman, ijaarsi koornayaa iddoolee hojii garagaraatti mul’atu dhimma kanarratti qorannoo akkan adeemsisu na kakaase. Muuxannoo kana haala yeroo barnootaa na qunnameen walitti qindeessuuniin sirnoonni marsaa jireenyaa Oromoo Arsii koornayaa ijaaruun akkamiin akka ibsanirratti qorannoo adeemsise. Sirnoota marsaa

jireenyaarratti bu’uraawuun akkan koornayaa ilaalu wanti na kakaase, sirnoonni marsaa jireenyaa sirnoota namni tokko marsaa jireenyaa isaa/ishee keessatti keessa darbu/ituufi gosoota duudhaa hawaasaa keessaa isaan ijoo warra ta’an waan ta’aniifi.

Sirnoota marsaa jireenyaa Oromoorratti qorattoonni adda addaa yeroo garagaraa qorannoolee adda addaa adeemsisanii jiru. Qorannooleen adeemsifamanis haalatti sirnoonni marsaa jireenyaa—sirni da’umsaa, gaa’elaafi boo’ichaa raaw’ataman, caasaasaaniifi faayidaa isaan qaban ibsuurratti kan hundaa’aniidha. Dabalees, qorannooleen hojjetaman kunneen waa’ee sirnoota kanneenii seenessuun kanneen ibsa kennaniidha. Kanaan ala sirnoonni kunneen saala nama tokkoorratti hundaa’uun akkamiin akka raaw’atamaniifi ilaalcha koornayaa loogawaa ijaaruurratti gahee akkamii akka qabaniin walqabatee qorannoon adeemsifame hinjiru. Silaa wanti barbaachisu, sirnoota marsaa jireenyaa akka sirnaatti qo’achuu cinaatti, gahee isaan nama/garee tokko koornayaatti qaruun ilaalchi koornayaawaan akka ijaaramu gochuurratti qabanis qorachuudha. Gahee sirnoonni marsaa jireenyaa ilaalcha koornayaawaa ijaaruurratti qabanirratti qorannoon adeemsifamuu dhabuun gama kanaan qaawwi kan jiru ta’uu mul’isa.

Haaluma kanaan kaayyoon qorannoo kanaa sirnoonni marsaa jireenyaa Oromoo Arsii koornayaa ijaaruu, ibsuufi daddabarsuurratti gahee akkamii akka qaban xiinxaluun qaawwa kana kan duuchuudha. Hanga sakatta’ametti, qorannooleen akka Arsiittis, ta’ee sadarkaa Oromiyaatti haalatti sirnoonni marsaa jireenyaa koornayaa ijaaruun ibsanirratti hundaa’uun hojjetaman hinjiran/mul’atani. Sirnoonni marsaa jireenyaa koornayaarratti hundaa’uun haa qoratamuu baatan malee, akkuma gooroowwan fokloorii biroo kallattii adda addaatiin, fakkeenyaaf, maalummaa, faayidaafi kkf isaanirratti hundaa’uun xiyyeeffatamaaniiru. Akkasumas, koornayaadhaan walqabatee gooroowwan fokloorii biroorratti hundaa’uun qorannooleen akka Oromiyaattis ta’ee Arsiitti hojjetaman jiru. Qorannooleen sirnoota marsaa jireenyaarratti sadarkaa Arsiis ta’ee Oromiyaatti hojjetamaniifi kanneen gooroowwan fokloorii birootiin koornayaarratti hundaa’uun hojjetaman maal akka fakkaatan kutuma kana jalatti bifa ittaanuun ibsamaniiru.

Haaluma kanaan waraqaalee ittiin guuttannaa digrii sadaffaafi lammaffaarraa yoo kaanu, waraqaan jalqabarratti argamuufi waraqaa kana waliin mata-duree tokko hirmaatu, qorannoo

አመራ (2007) ittiin guuttannaa barnoota doktorummaaf Oromoo Liiban Walisoorratti hojjetteedha. Waraqaa kanaan አመራ raaw'ii sirnoota marsaa jireenyaa: dhaloota, gaa'elaafi du'aa Oromoo Liiban Walisooti ibsite. Kunis, qorannoon Dastaa sirnoonni kunneen akkamiin akka raaw'ataman xiinxaluurratti kan hundaa'eedha. Kanaaf, qorannoon አመራ qorannoo isa kana kan akkaataa sirnoonni marsaa jireenyaa koornayaa itti ijaaran irratti hojjetamerraa qabayyeenis ta'ee bakkaan adda.

Qorannoolee dhimma koornayaarratti xiyyeeffachuun qorannoo kana waliin hariiroo qabaniifi gooroowwan fokloorii biroorratti hundaa'uun qorannoo kanarra adda ta'an keessaa tokko kan Bekele, B.S. (2015) mata-duree "Gender Roles and the Society's Perception of Women in Macha Oromo Verbal Arts: A Feminist Approach" jedhuun ittiin guuttannaa digrii sadaffaatiif hojjeteedha. Dhimmi waraqaa Bekele keessatti ka'e gaheen koornayaa dubartiifi dhiiraa gooroowwan afoolaa durduriifi mammaaksaan calaqqisan maal akka ta'aniifi akkasumammoo dubartoonni hawaasa keessatti akkamiin akka hubatamaniidha. Waraqaan Bekele gooroowwan fokloorii keessaa afoolarratti hundaa'ee koornayaa qorachuuniifi iddoo itti hojjetameen waraqaa kanarraa adda.

Waraqaan biraa dhimma qorannoo kanaan walitti dhiyeenya qaburratti hojjetame, waraqaa Gonfa (2007) barnoota digrii lammmaffaaf mata-duree "The Images of Women in the Proverbs and Sayings of the Oromo: The Case of West Arsi Zone" jedhurratti hojjetteedha. Ijoon 'Gonfa'n waraqaa kanaan kaaste ilaalchi hawaasni dubartootaaf qabu (ilaalcha gaariifi gaarii hintaane) mammaaksotaafi jechamoota keessa jiru maal akka fakkaatu, hubannoo hawaasaa dhiibbaa ilaalchi kun dubartootaarraan gahurratti, labataa labataatti daddarbuun mammaaksotaafi jechamoota kanneenii dhiibbaa dubartootaa kan itti fufsiisuufi kan dhiisu ta'uusaa sakatta'uufi ijaarsa gahee koornayaa saala bu'ureeffachuu mammaaksotaafi jechamoota kanneen duuba jiran akka Godina Arsii Lixaatti ilaaluudha. Qorannoon kunimmoo xiyyeeffannoonsaa gahee sirnoonni marsaa jireenyaa Oromoo Arsii ijaarsaafi ibsa koornayaa keessatti qabaniidha. Qorannoon Gonfa'n mammaaksotaafi jechamootarratti hundaa'uun waa'ee dubartootaa qofarratti xiyyeeffata; inni kunimmoo sirnoota marsaa jireenyaarratti hundaa'uun ilaalcha koornayaa Oromoo gama dhiiraanis ta'ee dubartiitiin waan xiyyeeffatuuf isa Gonfa irraa qabiyyeen adda.

Shelema (2010) gahee mammaaksi walqixxummaa dhabuu dubartootaarratti qaburratti waraqaa eebba boodaa digrii lammaffaasaa mata-duree “Role of Proverbs as a Means of Constructing and Perpetuating Gender Inequality in West Shoa Oromo Culture: The Case of Tukur Enchine” jedhurratti hojjete. Wanti qorannoo ‘Shelema’ isa kanarra adda taasisu, qorannoon ‘Shelema’ gahee mammaaksi ilaalcha koornayaa walqixxaataa hintaane ijaaruufi itti fufsiisuurratti qabu Shawaa Dhihaa, Xiqur Incinniirrattti hundaa’uun xiinxaluudha. Qorannoo kanammoo xiyyeeffannoonsaa dhimmoonni koornayaa sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsii keessatti akkamiin akka ijaaramaniifi ibsaman; darbees, loogiin koornayaa jiru maal akka fakkaatu ilaaluudha. Kanaaf, qorannoon kun qabiyyeerratti xiyyeeffateefi bakkarratti adeemsifameen qorannoo ‘Shelema’ irraa adda.

Gama qorannoollee jornaalota garagaraarratti maxxanfamanii gooroowwan fokloorii biroorratti hundaa’uun koornayaa xiyyeeffatanii yoo ceenu, kallattii kanaan akka Oromiyaas ta’ee Arsiitti qorannooleen dalagaman jiru. Isaan keessaa tokko qorannoo Bacha fi Kuto (2019) mata-duree “Women and Men in Arsi Oromo Proverbs: an Implication for Gender Equality” jedhuun dalaganiidha. Qorannoo kana ijoonsaa mammaaksonni Oromoo galumsa keessatti jedhamanirratti hundaa’anii qoratamuu qabu malee, hacuuccaa dubartootaa kan calaqqisiisaniidha jedhamanii qoratamuu hinqaban; kan hacuuccaa ibsanis miti kan jedhuudha. Ta’us, qorannoon kun dhugaa jiru kan haaleedha. Sababnisaas, akkuma gooroo fokloorii ummata kamuu, gooroon fokloorii Oromoo Arsii mammaaksi loogii koornayaarraa bilisa ta’uu hindanda’u. Qorannoon biraa kan koornayaafi gooroowwan fokloorii biroorratti xiyyeeffatu kan mata-duree “Oral Narratives as an Ideological Weapon for Subordinating Women: The Case of Jimma Oromo” jedhu Alemu (2007) adeemsiseedha. Qorannoon kun haalatti dubaratoonni ilaalcha afseenaarratti hundaa’ee ijaarameen hacuucamaniifi afoolli meeshaa dubartoonni ittiin gabrooman ta’ee dhalootaa dhalootaatti akka darbu kan ibseedha.

Qorannoon qorannoo kana waliin eeramuu danda’u kan biraa qorannoo Adem (2017) mata-duree “Women and Indigenious Conflict Resolution Institutions in Oromia: Experience from Siinqee of the Wayyu Shanan Arsi Oromoo” jedhurratti dalagameefi gahee haawwan mirga ofii kabachiifachuufi biyyaa nagaa buusuurratti qaban; akkasumas, dubartiin ulfina kan qabdu ta’uu ibseedha. Qorannoon biraa isa kanatti dhiheenya qabu kan Østebø (2010) mata-duree “Wayyuu –

Women's Respect and Rights among the Arsi-Oromo" jedhuun barreeffameefi Wayyuu jechuun akka Arsiitti jecha ulfina ibsu ta'uu ibseedha. Qorannoon biraa koornayaafi duudhaarratti hundaa'u kan Kuto fi warra kaaniin (2018) mata-duree "Indigenous Institutions of Women: The Case of Wijjoo among Arsii Oromoo, Ethiopia" jedhuun dalagameefi haalatti dubartoonni sirna Wijjoo jedhamuun hariiroo akka uuman kan ibseedha. Qorannoon sirnoota marsaa jireenyaarratti hundaa'uun koornayaa xiinxale kun, qorannoo Arsiin ala dalagame kan Alemu's ta'ee, kan Arsiirratti dalagamanirraa adda. Qorannooleen kunneen karaa gooroowwan fokloorii biroo koornayaa xiinxalan malee, sirnoota marsaa jireenyaarratti hundaa'uun koornayaafi loogii koornayaa ijaarsa duudhaa keessa jiru kan qoratanii miti. Haaluma kanaan qorannoon kun qaawwa kanarratti hundaa'ee kan adeemsifameedha.

### 1.3. Gaafilee Qorannichaa

Waraqaan qorannoon kun gaafileen ittaananii dhufan kanneeniif deebii kennuuf kan yaalu ta'a.

- Sirnoonni marsaa jireenyaa—sirni da'umsaa, gaa'elaafi boo'ichaa Oromoo Arsii leelloo Oromoon Arsii ilmaa intalaaf qabu akkamiin mul'isuu?
- Sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsii keessatti fakkoommiiwwan koornayaan walqabatanii jiran kanneen akkamiitii?
- Sirnoonni marsaa jireenyaa Oromoo Arsii dubartii ykn dhiira aangessuurratti gahee akkamii qabuu?
- Ittifufiinsiifi jijjiiramoonni dhimmoota koornayaa sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsii keessatti mul'atan maal fakkaatuu?

### 1.4. Kaayyolee Qorannichaa

Kaayyoleen waraqaa kanaa kaayyoo gooroofi gooree jedhamuun iddoo lamatti qoodamu.

#### 1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa sirnoonni marsaa jireenyaa Oromoo Arsii akkamiin koornayaa akka ijaaran, ibsaniifi daddabarsan xiinxaluudha.

#### 1.4.2. Kaayyolee Gooree

Kaayyolee gooreen qorannoo kanaa:

- Sirnoonni marsaa jireenyaa—sirni da'umsaa, gaa'elaafi boo'ichaa Oromoo Arsii leelloo Oromoon Arsii ilmaa intalaaf qabu akkamiin akka mul'isan ibsuu,
- Sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsii keessatti fakkoommiiwwan koornayaan walqabatanii jiran addeessuu,
- Sirnoonni marsaa jireenyaa Oromoo Arsii dubartii ykn dhiiraa akkamiin akka aangessan xiinxaluufi
- Ittifufiinsaafi jijjiiramoota dhimmoota koornayaan walqabatanii sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsii keessatti mul'atan agarsiisuu faadha.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Arsiin gosa Oromoo bal'aa—lafa bal'aa Waabee gamaafi gamanaa jiraatuudha. Ilmaan Arsii laga Waabee gamanaa—sirna bulchiinsa ammaatiin Godina Arsiifi Arsii Dhihaa jala jiran Sikkoo kan jedhaman yoo ta'u, warri Waabee gamaa immoo kan sirna bulchiinsa ammaatiin Godina Baalee jala jiran Mandoo jedhamu. Ilmaan Arsii lamaan keessaa kan qorannoo kanaan irratti xiyyeeffatame warra Waabee gamanaa Sikkoodha. Warri Waabee gamanaas sirna bulchiinsa mootummaa ammaatiin Arsii Bahaafi Dhihaa jedhamuun qoodamu.

Godinaalee gurguddoo lamaan lafti Arsii Waabee gamanaa qabdu kanneenirratti qorannoo adeemsisuun yeroo bal'aafi humna guddaa kan barbaaduudha. Kanumaan, lafa Waabee gamanaa keessaa kan xiyyeeffannoo qorannoo kanaa ta'e daangaa lafaarratti hundaa'ee Arsii Bahaati. Wanti lafa Arsii bal'aa keessaa Arsiin Bahaa filatamteef, gahee duudhaan Arsii ganamaa koornayaa ijaaruurratti qabuun walqabatee qorattittiin muuxannoo dhalootaa qabaachuun, kunimmoo akka qorannoorratti adeemsistuuf waan ishee kakaaseefi. Innis kan ta'e, aanaalee godinittiin qabdu 26 keessaa aanaalee sadi kan Heexosaa, Diksiisiifi Muunessaa jedhaman filachuuni (Dabalee C Maappii ilaali). Sababni aanaaleen sadan kunneen qofti filatamaniif, aanaalee jiran hundarratti yeroo tokkoon xiyyeeffachuun waan hindanda'amneef, aanaaleen kunneen aanaalee godinni Arsii qabduuf bakka bu'oota ta'uu danda'u jedhamee yaadameeti.

Gama daangaa mata-dureetiin, qorannichi sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsii keessatti dhimmoonni koornayaa akkamiin akka ijaaraman, ibsamaniifi daddabarban xiinxaluurratti kan hundaa'eedha. Sirnoonni marsaa jireenyaa akka barreessitoonni akka Van Jennep (1909) fi

Turner (1969) faan ibsanitti, dhaloota, kittaannaa, umriin gahuu, gaa’elaa, du’aafi aadaa saboota garagaraarratti hundaa’uun kanneen biroo ta’uu danda’u. Kun ta’us, kan qorannoo kanaan irratti xiyyeeffatame kan qorattoonni adda addaa sirnoota marsaa jireenyaa keessaa warra bu’uraa jechuun kaa’aniifi akka biyya keenyaattis bal’inaan beekama: dhaloota, gaa’elaafi du’a/sirna boo’ichaati. Qorannichis raaw’ii sirnoota kanneenii keessatti dubartiifi dhiirri akkamiin akka ilaalamaniifi hubatamanirratti xiyyeeffate. Fakkeenyaaf, aadaa Arsii keessatti dhalachuun ilmaafi intalaa akkamiin akka ibsamu—ilmoo argachuurratti hawaasni ilmoo durbaafi kan dhiiraa keessaa kamirra argachuu akka hawwu, kan argachuuf hawwu san maaliif akkarra hawwuufi kkf irratti hundaa’uun ijaarsi koornayaa xiinxalame. Akkasumas, raaw’ilee sirnoota gaa’elaafi boo’ichaarratti raaw’ataman keessatti ijaarsi koornayaa jiru maal akka fakkaatuufi fakkoommiiwwan koornayaa ibsan kanneen akkamii akka jiran qorannoo kanaan kanneen ilaalamaniidha. Dabalees, qorannichi dhiibbaa ijaarsi koornayaa guyyaa dhalootaarraa qabee ijaaramu gaheefi hirmaannaa dubartiifi dhiirri qabanirratti qabus xiyyeeffateera.

### 1.6. Faayidaa Qorannichaa

Duudhaa Hawaasaa (fokloorii) ummata tokkoo qorachuun falaasama jiruu jireenya ummata sanaa qorachuudha (Senkoro, 2005). Kunis, yaada, hawwii, yaaddoo, gammachuu, gadda, abdii, rakkoo, sodaa, onnachuufi kkf hunda qorachuun walqabata. Kanumaan, waraqaan kun warroota sadarkaa Oromiyaas ta’ee biyyaatti imaammata qopheessaniif, bulchitootaaf, warreen dhaabbileefi biiroolee adda addaa keessa dalaganiifi kkf haalatti karoora isaanii fedhii, hawwiifi rakkoo ummatarraatti hundaa’uun karoorfatanii hojjetanirratti gumaacha guddaa gochuufiin qaawwa gama aadaafi koornayaatiin jiru duuchuurratti gargaarsa baay’ee kennuufii danda’a. Koornayaan dhimma hawaasa keessatti sadarkaafi haala kamuu keessatti mul’atuufi qixa sirrii ta’een xiyyeeffatamuu qabuudha. Kanaaf, qorannoo kun rakkoo koornayaan walqabatee gama jiruu jireenya hawaasaa, dhaabbilee aadaafi mootummaatti uumamaniifi uumamuu danda’aniif furmaata kennuu danda’a.

Dabalataanis, dhaloonni ammaa akka duudhaasaanii baran taasisuurratti gumaacha guddaa qaba. Kunis, hiika Oromoon duudhaa keessatti koornayaaf ykn dhiira/dubartii ta’anii dhalachuuf kennu xiinxaluun aangoo/bakka dhiirri/dubartiin qabu/du qorannoo kanaan adda baasuun, tarii yoo loogiin jiraata ta’e, dhaloota ammaafi boruutiif akka karaan haramuun rakkoon hiikamu gochuu

danda'a. Duudhaan hawaasaa (sirnoota marsaa jireenyaa) hubannaa ummanni tokko addunyaaf qabu mul'isuu waan danda'uuf, isarratti hundaa'anii ilaalcha koornayaa hawaasaa qorachuun akka dhaloonni ammaafi boruu haalatti namoonni garee hawaasaa ta'an (dubartiifi dhiirri) eenyummaasaanii itti ijaarratan baraniif gargaara. Akkasumas, qorannoo kana haala kanaan adeemsisuun duudhaan—sirnoonni marsaa jireenyaa Oromoo Arsii xiyyeeffatamuun loogii bara ammaa keessatti fudhatama hinqabnerraa fooyya'uun tajaajila kennuu qaban kennaa, garee hawaasaa (dubartiifi dhiirri) qixa irraa fayyadamoo akka ta'an ta'uun dhalootaa dhalootatti akka dadarbaniif gargaara. Fakkeenyaaf, duudhaan xiyyeeffatamuun, sirna barnootaa keessatti meeshaalee barnootaa qopheessuurratti, duudhaa ganamaa ummanni qabu fayyadamanii meeshaalee barnootaa qopheessuun—aadaa/qabeenyuma ummataatiin ummata tajaajiluun akka danda'amu taasisa. Dabalees, qorannichi namoota ofdura dhimmoota kanaan hariiroo qaban afaan, aadaafi duudhaa Ummata Orommoorratti hojjechuu barbaadaniif karaa kan agarsiisu ta'a.

### 1.7. Hanqina Qorannichaa

Namni waa dalagu tokko haalotaafi wantoota adda addaatiif saaxilamuun isaan akkuma hinoolle, qorannoon kunis yoo adeemsifamu rakkoolee adda addaa qorattittii muudachuusaanii hinoolle. Dhimmoota adeemsa qorannoo kanaarratti dhiibba taasisan keessaa tokko haala nageenyaa yeroo dhihoo keessa aanaalee Godina Arsii iddoo ragaaleen qorannichaa walitti qabamanitti mul'achuu eegaleefi adeemsa keessa cimaa dhufeedha. Qorannoon kun qorannoo sanyaabsaa ta'uusaarraan kan ka'e, haalli nageenyaa aanaalee Godina Arsii iddattoo qorannichaa ta'an keessa jiru yeroo hojii dirree gara dhumaarra akka barbaadaniifi yeroo barbaadaniitti gara aanaalee kanneenii dhaquun ragaalee dabalataa walitti qabachuurratti dhiibbaa taasise. Kunimmoo ragaalee barbaadaman haala tasgabbiin bu'erratti hundaa'uun argachuuf yeroo dheeraa fudhate. Kanumaan qorattittiinis yeroo dheeraa fudhachuun namoota aanaalee ragaalee keessaa funaannattu keessatti ishee gargaaran waliin ta'uun haalaafi yeroo mijataa ykn yeroo haalli nageenya aanaalee fooyyee qabutti aanaalee kanneetti argamuun ragaalee barbaachisoo walitti qabachuun kaayyolee qorannichaa galmaan gahuu dandeessee jirti.

Dhimmi biraa adeemsa qorannichaarratti dhiibbaa taasise ilaalchi warri dhiiraa qorannoo dhimma koornayaafi aadaarratti hundaa'erratti qabaniidha. Yeroo funaansa ragaalee dirree qorannoo turametti, ilaalcha warri dhiiraa (keessaayyuu, warra baratan) akka waan qorannichi

kan mirga isaanii dhiibuuf deemuutti qabanirraa ka'uun dhiibbaan uumame. Kun ta'us, ijaarsi aadaafi duudhaa jiru qoratamuu akka qabu erga waliigalterra gahamee booda ragaalee barbaachisoon akka walitti qabaman ta'e. Inni biraa haala odeef-kennitoonni muuxannoo amma dura qorattoota biroo waliin qabanirratti hundaa'uun qorattoonni dhufanii ragaa nurraa guuruu malee, bu'aa qorannoo isaanitiin homaa nuuf hingoone jechuun odeeffannoo kennuurratti shakkii qaban ibsuun atis kanarra adda ta'uu maaliin beekna jedhanii kaasaniidha. Kanarraa ka'uun qorattittiinis kun dhugaa ta'uu odeef-kennitoota waliin marii taasisuun, qorannoon kun aadaan isaanii akka beekamu, loogiirraa akka bilisaa'u, galmaa'uun dagannaa malee dhaloota dhufuuf daddarbu gochuurratti gahee guddaa akka qabu ibsuun akka isaan dhimma barbaadamerratti ragaa gahaa kennan taasisuun ragaalee barbaachisoo sassaabbate.

## Boqonnaa Lama

## 2. Sakattaa Barruuwwanii

Kutaa kana jalatti kanirratti xiyyeeffatame barruulee yaadrimee waraqaan kun irratti xiyyeeffatu waliin hariiroo qabaniidha. Yaadrimeewwan waraqaan kunirratti xiyyeeffatu akkuma amma dura ibsame yaadrimee sirnootaa, sirnoota marsaa jireenyaafi gahee sirnoonni marsaa jireenyaa koornayaa ijaaruurratti qabaniidha. Haaluma kanaan boqonnaan kun kutaalee lamatti qoodamuun dhihaate. Innis tokko kutaa yaadrimeewwan sirnootaa, sirnoota marsaa jireenyaafi koornayaa jalatti ibsaman yoo ta'u, kutaan inni lammataa immoo kutaa yaaxxinaaleen qorannichi irratti hundaa'e keessatti ibsamaniidha.

### 2.1. Yaadrimee Sirnaa

Yaadrimee sirnaa ibsuun dura hariiroo sirni fokloorii waliin qabuufi ka'umsi isaa eessa akka ta'e ibsuun barbaachisaadha. Sirni gooroowwan fokloorii Dorson (1972) Ogafaan, meeshaadaa, duudhaa hawaasaafi aartii sochii qaamaa hawaasaa jechuun iddoo afuritti qoode keessaa duudhaa hawaasaa jalatti kan ramadamu ta'ee, gosoota adda addaa kan ulaagaalee garagaraarratti hundaa'uun qoqqoodaman kanneen akka sirnoota marsaa jireenyaa fa'a ofjalaa kan qabuudha. Van Gennep (1909) akka ibsetti, sirnoota hawaasaa keessaa sirnoonni marsaa jireenyaa kan namni tokko sadarkaa, bakka, haalaafi kkf dur qaburraa gara isa itti aanuutti cehu isaan beekamoodha. Qorannoo kana keessattis sirnoonni kunneen koornayaa ijaaruu, ibsuufi daddabarsuurratti shoora akkamii akka qabantu xiyyeeffatame. Mata-duree kana jalatti gahee Sirnoonni Marsaa Jireenyaa ijaarsa koornayaarratti qaban ibsuun dura sirnoonni—keessaayyuu, Sirnoonni Marsaa Jireenyaa maal akka ta'antu ibsame.

Ijoo Sirni maali? Jedhuuf hayyoonni ibsoota adda addaa kennanii jiru. Isaan keessaa barreessitoonni Leach (1968), Sims & Stephens (2005) akka ibsanitti, sirni raaw'iidha; raaw'ii baratamaa, qindaawaa irra deddeebii qabu, kan miseensonni garee hawaasa tokkoo kabajaan deeggaranii dhimma tokkoof raaw'ataniifi muuxannoo walfakkaataa ittiin argataniidha. Sirni kan hawaasni waliin ta'uun sochiilee aadaa irra deddeebii qaban adda addaa taasisuun mallattoolee garagaraa hirmaachisuun waliin raaw'atuufi muuxannoo walfakkaataa ittiin argatuudha. Bautista & Rosenfeld (2017:169) wanti isaan jedhan: "In this way the nature of ritual can be seen as a process in which repetitive actions socialize people into particular dispositions; in turn, these

dispositions establish a recursive relationship with rituals in which social meaning is produced and reformulated through repetition”. Ibsi yaada kanaa, amalli sirnaa irra deddeebii qabu akka namoonni waliin dhaabbatan, hariiroo cimaa qabaatan leenjisa. Haalli kunimmoo karaa irra deddeebii kanaa hiikni hawaasummaa akka ijaaramuufi uumamu gochuun namoota sirna waliin hariiroo baratamaa qabaachisa. Kana jechuun, namoonni yoo sirna raaw’atan adeemsa duraa duubaa sirnichi ittiin raaw’atu ni beeku. Sababnisaas, sirnicharratti yoo hirmaatan, maaltu akka raaw’atamu, maalitti aanee maaltu akka dhufu (raaw’ilee jalqabaafi xumura ta’an) sirnicha irra deddeebiin beekurraa hubachaa deemu.

Sirni tokko kan garee waa’ee sirnichaa beekuuti. Garee kun gochaalee sirnicharratti ta’an hubachuun sirnichi eenyummaa isaanitiif murteessaa ta’uu agarsiisa (Sims & Stephens, 2005). Sims & Stephens gochaaleen sirnicharratti raaw’ataman akkanaa kunneen sirnoota gochaalee hawaasaa guyyuurraa adda baasanii agarsiisu jedhu. Miseensonni garee hawaasaa sirna tokko kabajanii sirnicharratti hirmaachuun miseensummaa garee sanaafi warra sirnichaa ta’uu ittiin mul’ifatu, ibsatu. Akkasumas, sirnichi isaaniif hiika guddaa qaba. Leach (1968) sirni karaa aadaa kan ibsamuufi akka waliigaltee hawaasaatti kan ilaalamuudha jedha. Moyo (2016) akka jedhutti, namoonni karaa sirnaa maal akka ta’an, maalitti akka amananiifi waa’ee addunyaa maal akka yaadan ibsatu. Kana jechuun, hawaasni karaa sirnaa hubannaa, ilaalchaafi kkf isaa mul’ifata.

Sims & Stephens sirni yoo raaw’atamu gooroowwan fokloorii adda addaa: afoola, meeshaadaafi duudhaa hawaasaa kanneen biroo bakka tokkotti hirmaachisuu danda’a. Kanarraa ka’uun qorattoonni fokloorii baay’inaan irratti xiyyeeffatu jedhu, Sims & Stephens. Akka isaan jedhanitti, sirni kan duudhaan, sonni, amantaaniifi eenyummaan hawaasa tokkoo itti bahee mul’atu. Sababnisaa, sirni gooroowwan fokloorii waa’een isaanii dubbatamuun qofa beekaman akka ifa bahan, hubataman taasisa. Sirni duudhaa hinmul’annee mul’isa. Yaadni kun Sims & Stephens (2005:96) irratti akkuma ibsameen yoo taa’u: “That’s one reason rituals are so important to groups and to folklorists: they make intangible values, beliefs and attitudes— which are frequently hidden—concrete and visible.” Kun kan ibsu ‘sirna’ hawaasa isa fayyadamuufi qorattoota foklooriitiif wanti faayida qabeessa isa taasisu, sirni duudhaa, sona, amantaafi ilaalcha hawaasa tokkoo kan hinmul’anne ykn dhokataa ta’e qabatamaa taasisuufi mul’isuu isaati. Fakkeenyaaf, Sims & Stephens namni tokko sadarkaa tokkorraa yoo olguddatu: yoo digrii argatu

gaafa eebbaa namni kun fannoo qal'oo koophiirra jirtu bitaa gara mirgaa deebisaa jedhamuun digrii argachuun isaa/ishee mirkanaa'a. Namoonni biraa namni kun digrii argachuusaa homarraayyuu osoon beekin, sirna kana ilaaluun digrii argachuusaa/ishee argu.

Sirni itti xiyyeefatamee kabajni guddaan kennameefii, fakkeenyaaf sirna amantaan walqabatu, sirna ce'umsa sadarkaa, waqtii tokkoo gara isa biraatti darbuuf raaw'atamu jiraachuu danda'a. Akkasumas, immoo sirni xiqquma xiyyeeffatamee haala salphaan ittumaan bohaaruuf raaw'atamu jira. Akka ibsa Sims & Stephens'tti sirni tokko sadarkaan addaa kennameefii qophiileen adda addaa qophaa'uun kan kabajamu, fakkeenyaaf: sirboonni kan sirbaman, sochiin qaamaa kan jiraatuu, nyaanni addaa kan qophaa'uu, uffanni addaa kan irratti uffatamu, faayaleen godhataman, meeshaaleen dhihaatan, qophiileen bohaarsoofi ajaa'ibsiisoo ta'an hedduun kan irratti qophaa'aniifi namoonni garee adda addaa iddoo garagaraatti haala adda addaatiin kabajan ta'uu mala. Uffannaafi faaya namoonni fayyadamaniirraa gahee namoonni sirnicharratti qaban beekuun nidanda'ama. Akka ibsa Sims & Stephens'tti sirnoonni xiyyeeffannoo addaatiin kabajaman namoota hawaasa keessatti akka sirnoota kanneen karaa sirriin raaw'atan jedhamanii beekamaniin qajeelfamuun raaw'atamu; hirmaattonnis iddoo isaaniirratti: sirbaan, sochiin gahee bahan qabaachuu danda'u.

Sirna kabajuu keessatti hawaasni sonni, amantiifi waan akka ta'uuf hawwu, waan jedhuufi godhuun mallattoofi sochiilee adda addaa fayyadamuun fakkoommii adda addaa kennaafi. Akkasumas, raaw'umti hawaasni raaw'atu: wanti dubbatu, godhu akka aadaa hawaasa sanaatti fakkoommiidha. Fakkeenyaaf, akka Radcliffe-Brown (1922) ibsetti, namni tokko umrii ijoollummaa fixee umrii dargagummaa yoo seenu, sirni qophaa'uun umrii kanatti maaltu irraa akka eegamu: fuudhuu/heerumuu, dhiirsa ykn niitii gaarii ta'uu, daa'ima argachuu, fakkoommii adda addaatiin itti himama. Leach (1968), hawaasni wantoota raaw'atu kanneeniif fakkoommiifi hiika addaa kennuun kan madde hawaasummaafi aadaa isaarraayi jedha. Kana jechuun sirni kan maddu aadaafi haala jiruu jireenya hawaasaa irraa hawaasuma mataasaatiin jechuudha.

Sirni tokko jijjiiramuu ykn sababoota adda addaa: ammayyummaa, siyaasaafi kkf irraa kan ka'e akka isa duraatti kan kabajamu ta'uu dhiisuu danda'a. Yookaan maatiin, gareen wayii, hawaasni waliigaluun dhimma tokkoorratti hundaa'uun sirni uumamuu mala (Sims & Stephens, 2005). Barreessitoonni kunneen kan ibsan, gareen tokko sirni tokko waliin jireenya isaaniitiifi akka

gareetti itti fufuu isaanitiif barbaachisaa ta'uu yoo hubatan, sirna wayii uumuun waliin kabaju. Akkasumas, sirni tokko kan amantiirratti hundaa'u ykn kan amantii alaa ta'uu mala. Sirni amantaarratti hundaa'u akka amantaasaaniitti kan gareen warra humna/afuuraa Waaqatti amananii kabajaniidha. Sims & Stephens akka eeranitti, sirni akkanaa kan bakka namoonni hedduun itti argamanitti kabajamu ykn immoo kan nama dhuunfaan addatti ykn dhoksaatti kabajamu ta'uu mala. Sirni amantiin alaa immoo sirna hawaasa keessatti seerotaafi waan namni tokko hawaasa keessatti hordofuufi raaw'achuu qabu barsiisan, qajeelchaniifi karaa itti agarsiisaniidha. Fakkeenyaaf, sirna yoo ijoolleen umrii ijoollummaa fixanii dardarummaa seenan waan irraa eegamu sirna qopheessuun fakkoommiin itti himan fa'a. Sirnoota amantaa alaa keessa waan hawaasni irratti waliigalee amanee kabaju kan waa'ee afuuraa ofkeessaa hinqabne, fakkeenyaaf: dhimmi siyaasaa fa'a jiraachuu danda'a (Bautista & Rosenfeld, 2017).

Sims & Stephens akka jedhanitti, sirnoonni tokko tokko immoo kanneen dhimmoota amantaafi amantaa alaa ofkeessatti qabatan jiru. Fakkeenyaaf, sirnoonni akka dhalootaa, gaa'elaafi du'aa dhimmoota amantaa: eebba, faaruu, kadhannaafi kan amantaan alaa uffata, nyaataa, ofkeessaa qabu. Sirnoonni waqtiilleerratti hundaa'anii kabajaman dhimmoota amantaafi amantaan alaa ofkeessatti hammatu. Bautista & Rosenfeld (2017) haala kanaan haa ibsamu malee garuu, dhimmoota amantaafi amantaan alaa adda baasanii kaahuun hedduu rakkisaadha jedhu.

### 2.2. Gosoota Sirnaa

Gosoota sirnoota qophiileen taasifamuun kabajaman hayyoonni ulaagaalee adda addaarratti hundaa'uun bakka adda addaatti qoqqoodanii ibsu. Fakkeenyaaf, McNeill (2013) kabaja sirnoota (duudhaa hawaasaa) yoo kaasnu yeroo inni itti kabajamurratti hundoofnee bakka lamatti qoodnee ilaalla jedha. Isaanis: Sirnoota Marsaa Waqtiileerratti hundaa'anii kabajamaniifi sirnoota marsaa jireenyaati. Bell (1997:94) immoo dhimma sirnoonni kabajamaniifirratti hundaa'uun sirnoota bakka jahatti qoodde. Isaanis: "They are rites of passage, which are also called "lifecycle" rites; calendrical and commemorative rites; rites of exchange and communion; rites of affliction; rites of feasting, fasting, and festivals; and, finally, political rituals" Inni kun Afaan Oromootiin:

1. Kabaja Sirnoota Ce'umsa Sadarkaa
2. Kabaja Sirna Lakkoofsawaafi Duudhaa Kabajamaa
3. Kabaja Sirna Guyyaa Kennaafi Galataa

4. Kabaja Sirna Yaadannoo Guyyaa Dheekkamsaa
5. Kabaja Sirna Guyyoota Bal'inaafi Feestivaalota
6. Kabaja Sirna Siyaasaa

Dabalees, Sims & Stephens (2005:110-120) sirnoota dhimma maalitiif akka sirneeffamanirratti hundaa'uun bakka afuritti qoodanii kaa'u. Isaanis: "Rites of Passage, Initiation Rituals, Coming of Age Rituals, Naming Ritals". Kunis Afaan Oromootti yoo hiikkatu: Sirna Ce'umsaa, Sirna Kaka'umsaa, Sirna Ga'umsa Umriifi Sirna Moggaasa Maqaa jedhaniidha.

Qoqqooddiin Sims & Stephens fi Bell sababoota sirnoota akka qophaa'an taasisanirratti hundaa'uun taasifame. Akka qorannoo kanaattis kanirratti xiyyeeffatame sirnoota marsaa jireenyaa kan qoqqooddii Sims & Stephens fi Bell jalatti argamuudha. Barreessitoonni tokko tokko, fakkeenyaaf: Malefijt (1968) sirna yoo qoqqoodan yeroo dhaabbataafi dhaabbataa hintaanerratti hundaa'uun kan kabajaman jechuun qoodu. Akka yaada Malefijt'tti sirnoonni marsaa jireenyaa sirnoota yeroo dhaabbataarratti hundaa'uun hinkabajamneedha. Sirnoonni waqtiilleerratti hundaa'uun kabajamaan immoo sirnoota yeroo dhaabbataarratti hundaa'uun kabajamaniidha.

### 2.3. Sirnoota Marsaa Jireenyaa

Akkuma ibsame sirnoota keessaa sirni marsaa jireenyaa tokkoofi isa beekamaadha. Akka qorannoo kanaatti 'sirnoota marsaa jireenyaa' jedhamuun kan ibsaman, kan Van Gennep fi namoonni yaada isaa bu'ura godhachuun ibsan "Rite of Passage" jechuun ibsaniidha. Hayyoonni adda addaa "Rite of Passage" sirnoota marsaa jireenyaa jedhamuun kan ibsame, qabxiilee adda addaa kaasuun ibsaniiru. Isaan keessaa Van Gennep (1909/1960) fi Turner (1969) isaan hangafoota. Van Gennep Sirna Marsaa Jireenyaa yoo ibsu, sirnoota hawaasaa namni tokko jireenya keessatti sadarkaa jireenyaa tokkorraa gara isa tokkoo/ittaanuutti ce'udhu jechuun ibsa. Akka Gennep'tti sirna marsaa jireenyaa nama tokko sadarkaa isa tokkoorraa gara isa ittaanutti ceesisuurraatti adeemsota sadi keessa darbama. Isaanis: yeroo adda bahumsaa (stage of separation), yeroo sirna ce'umsaa (a liminal stage) fi yeroo itti makamsaati (stage of incorporation). Yeroon adda bahumsaa kan namni tokko sirna ce'umsaa raaw'achuuf hanga sirnichi gahutti hawaasaarraa adda bahu—intalli heerumtu hanga guyyaa cidhaatti kaadhimaa ta'uun hawaasaarraa adda baatee kan jirtu. Yeroon sirna ce'umsaa immoo hawaasaarraa adda

baatee bakka sirnichaan booda jiru bira osoon gahin kan gidduu keessa jiru—intalli heerumtee kaadhimaa ta'uun hiriyoota isheerra adda taatee, bakka heerumaan booda bira geessu osoon gahin gidduu lamaan kan jirtu jechuudha. Yeroon itti makamsaa immoo yeroo namoonni sirna marsaa jireenyaa raaw'atanii, sadarkaafi gahee haaraa hawaasa keessatti bahan qabatanii—misiroonni haadha warraafi abbaa warraa ta'anii gara hawaasaatti deebi'aniidha. Turner yaada Gennep irratti hundaa'uun sadarkaalee sadan Gennep kaase keessaa ce'umsaarratti bal'inaan xiyyeeffate. Akka Turner'tti ce'umsi yeroo yaaddoofi soda qabu kan gidduu keessa jiruudha.

Gennep fi Turner dabalatee sirnoota marsaa jireenyaarratti namoonni hedduun barreessaniiru. Sirni marsaa jireenyaa sirna namni tokko yeroo adda addaa jireenya isaa/ishee keessatti keessa darbu/tu kan akka sirna dhalootaa, fuudhaa heerumaafi du'aa faadha (McNeill, 2013). Qabxiin inni tokkoofi beekamaan waa'ee sirnoota marsaa jireenyaa—dhaloota, gaa'eelaafi boo'ichaa, sirnoonni kunneen sirna guddina dhala namaa keessatti ka'umsa ta'aniidha (Ezenweke, 2016). Ezenweke (2016) Ray (1999) eeruun akka ibsetti, sirna kana keessatti daa'imni hinjirre takka ni dhalatti, ijoolleen gara ga'eessaa ce'u, dubartiifi dhiirri niitiifi dhirsa ta'u, namoonni lubbuun jiran du'anii gara firoottan isaanii du'anii ykn ekeraatti makamu.

Sirni Marsaa Jireenyaa sirna akka addunyaatti mul'atu, sirna namni tokko jireenya keessatti jijjiirama wayii itti arguufi sadarkaa dur qaburraa isa aanutti raaw'ileen adda addaatiin dabaalamee darbuufi gaheefi bakka biraa hawaasa keessatti argatuudha (Bell, 2003; Markstrom and Iborra, 2003; Stephens, 2005; Debika, 2010; Forth, 2018). Sirni Marsaa Jireenyaa sirna akka addunyaatti beekamu jechuun, sirni kun haalli raaw'iisaa aadaa aadaatti addaa addummaa haa qabatu malee, qaama addunyaa mararra kan jiruudha jechuudha. Sirni Marsaa Jireenyaa sirna akka addunyaa guutuutti jiru ta'us, namoonni marti guyyaa tokko kan hindhalanne, hinfuuneefi hinduune ta'uusaatiin raaw'iin/kabajnisaa akka nama dhuunfaatti malee akka hawaasaatti miti.

Kearney (2009) immoo sirna marsaa jireenyaa yoo ibsu, sirnoota warra biraa keessaa sirni kun sirna bu'uuraati—sirna namni tokko jireenya isaa/ishee keessatti keessa darbu jedha. Forth, (2018:1) sirna marsaa jireenyaa yoo ibsu "…rites of passage are rituals concerned with transferring individuals or groups between social statuses and marking their incorporation into a typically higher or more valued status such as when a student ceases to be an undergraduate and becomes a graduate" jechuun kaa'a. Ibsisaas, sirni ce'umsa sadarkaa sirna nama/garee wayii

sadarkaa hawaasa keessatti beekamu keessa dabarsuun sadarkaa kabajamaa wayiitti ceesisu akka ta'eedha. Fakkeenyaaf, namni barate tokko yoo barnoota fixee eebbifamu fa'a ta'uu mala. Ibsi Forth kan agarsiisu, sirni marsaa jireenyaa kan gammachuurratti hundaa'e ta'uu mul'isa.

Sirni Marsaa Jireenyaa sirna hawaasa keessatti sadarkaa nama dhuunfaa ykn hawaasaatti jijjiiramni wayii akka dhufu/raaw'atuu taasisu ta'uu yaadni Van Gennep (1909) Bell (2003) irratti ka'e ni ibsa. Sirni Marsaa Jireenyaa guyyaa namni tokko dhalootaan hawaasaatti makamurraa eegaluun—fakkeenyaaf, namoota daa'ima dhalatte/te waliin hariiroo qabanirratti jijjiirama akka abbaa-haadha, akkawoo-akaakkayyuu, adaadaa-eessuma ta'uu uuma. Akka waliigalatti Sirna Marsaa Jireenyaa keessa sirna yeroo ce'umsaa ceesisuuf taasifamuufi jijjiirama sirnicha hordofee dhufutu jira (Forth, 2018). Sirnoonni akka dhalootaa, ijoollummaarraa ga'eessummaatti ce'uu, gaa'elaafi du'aa sadarkaa nama tokkoo isa tokkoorraa kan biraatti jijjiiru (Van Gennep, 1909).

Van Gennep (1909) fi Turner (1969) faan akka ibsanitti, sirnoonni marsaa jireenyaa sirna dhalootaa, gaa'elaafi du'a, sirna ce'umsaa lakkoofsa baraarratti hundaa'eefi sirna yeroo dhiphinaati. Barreessitoonni kunneen akka ibsanitti, sirnoonni kunneen akka qaama hawaasaa mara osoo hintaane, garee wayii ykn nama dhuunfaa kan xiyyeeffataniidha. Gosoonni sirnoota marsaa jireenyaa qorannoo kanaanirratti xiyyeeffatame sirnoota marsaa jireenyaa keessaa isaan ijoo ta'aniifi waa'een isaanii ittaanee dhihaate: sirna da'umsaa, gaa'elaafi boo'ichaati.

### 2.3.1. Sirna Da'umsaa

Sirna da'umsaan walqabatee wanti jiru gochaalee yoo dubartiin takka garaa qabdu da'umsaan dura godhamaniifi erga deessee booda ta'aniidha. Hawaasa keessatti dubartiin takka ulfa ta'uun isheefis ta'ee, hawaasaaf bakka guddaa qaba (Côté-Arsenault & Dombeck, 2009). Dubartiin ulfa yoo taatu gama xiinsammuunis ta'ee qaamaatiin jijjiirama hedduutu irratti dhufa. Dubartiin ulfa ta'uun dhaloonni itti fufuu, wanti hinjirre jiraachuu, namni waan hinqabne argachuu agarsiisa. Kunimmoo akka Van Gennep (1909) kaasetti gahee, sadarkaafi kkf hawaasaa tokkoo gara isa ittaanuutti ce'uu ofkeessaa qaba. Daa'ima da'uun waan qaamaan mul'atu ilmoo argachuu qofa osoo hintaane, taatee aadaafi hawaasaas ofkeessatti kan qabatuudha (Wulf, 2015). Wulf akka ibsetti, maatiin tokko ilmoo argachuun maatii sana keessatti jijjiiramoota adda addaa fida. Kunis,

dubartii gara haadhummaatti, dhiira gara abbummaatti ceesisuun hawaasa keessatti sadarkaafi gahee biraatti akka cehan taasisa. Kana qofa osoo hintaane, firoottan haadhaafi abbaa akkawoofi akaakkayyuu, eessumaafi adaadaa akka ta’an taasisa.

Dubartiin garaa qabdu hanga gaafa deessuutti gama waan nyaattuu, dalagduufi jireenya ishee guutuutiin ofeeggannootu taasifamaafi. Akkasumas, kabajatu kennamaafi; hawaasa keessatti bakka argachuun ija gaariidhaan ilaalamti (Jacinto & Buckey, 2016). Dubartiin gaafa daa’imni garaatti hafu sadarkaafi gahee dur qabdurraa gara itti aanutti ceeti. Dubartiin takka ulfaa’uun jireenyaa isheerratti jijjiirama guddaa fida (Côté-Arsenault & Dombeck, 2009). Côté-Arsenault & Dombeck Van Gennep (1909) waabechuun ulfaa’uun mataasaa ce’umsa jechuun ibsani. Haala kana Van Gennep (1909) sadarkaa saditti baasee kaa’e.  Kunis, dubartiin gaafa ulfaa’uun ishee beekame ulfa ta’uun bakka dur jirturraa adda kan baatu—adda ba’uu (Separation) jechuun kaa’e. Yeroo dubartiin ulfooftee bakka dur hawaasa keessatti qabdurraa adda baatee gara sadarkaa erga deessee bira geessu bira hingahi jirtutti immoo yeroo ce’umsaa (transition) jechuun kaa’e. Ittaansee sadarkaa erga deessee bira geessu, kan dubartiin deesse daa’ima baattee haadha ta’uun hawaasaatti makamtuun itti—makamuu (incorporation) jechuun ibse.

### 2.3.2. Sirna Gaa’elaa

Qorattoonni saayinsii hawaasaa akka ibsanitti, gaa’elli dhaabbata hawaasaa durirraa kaasee jiru, haalli raaw’iisaa aadaa adda addaa keessatti garaagarummaa haa qabaatu malee qaama addunyaa hundarratti beekamuudha. Hawaasni addunyaa kamuu haa xiqqaatuu haa guddaatuu sirna gaa’elaa bifa amantiirratti hundaa’eenis haa ta’uu amantiin alaatiin, bifa kabaja guddaarratti hundaa’eenis haa ta’uu haala salphaa ta’een inuma raaw’ata. Ezenweke (2016) akka ibsetti, akka saboota Afrikaatti gaa’elli sirnaan dabaalamee raaw’atamuu qaba. Kana hintaane taanaan gaa’ela sirnaan kabajamee hinraaw’tamin tokko rakkoo hamaatu muudata jedhamee amanama. Kanaaf, gaa’elli sirna ce’umsaa keessaa tokko. Innis, namni gaa’elaan sadarkaa jireenyaa tokkorraa gara ittaanutti ce’u tokko akka aadaa hawaasa keessa jiraatuutti sirni qophaa’eefii nama mana hinqabnerraa gara nama mana qabuutti ce’a jechuudha.

Gaa’elli dhimma walxaxaafi bal’aadha; darbees, kan itti fufiinsa hawaasa tokkoo murteessuudha (Nwadiokwu fi wk, 2016). Ezenweke (2016) gaa’illi bu’ura hawaasummaa hawaasa tokkoo

ta’uusaatiin akka dirqamaatti fudhatama. Kanarraa ka’uun hawaasa keessatti namni gaa’ela hanqate ija badaan ilaalama. Sababnisaa, gaa’elli itti fufiinsa hawaasaa mirkaneessa waan ta’eef, namni gaa’ela hanqate itti fufiinsa hawaasaarratti dhiibbaa fida. Akka nama hawaasa keessatti itti gaafatamummaa hinqabneettis fudhatama. Kanarraa ka’uun hawaasa keessatti, keessayyuu, Afrikaa keessatti gaa’elli ofeeggannoon qabama. Dubartiifi dhiirri yoo gaa’elaan walitti dhufan isaan qofatu walitti dhufa jechuu miti. Walitti dhufeenyi uumamu gurbaafi intala gaa’ela ijaarratanirra darbee gosaafi warri intalaafi gurbaa hariiroo uummatu.

Gaa’elli bakkatti intalliifi gurbaan walitti dhufanii gammachuun itti jiraatan, ilmaan itti horaniifi kkf qofa osaan taane, bakkatti gurbaafi intalli gahee haaraa baachuu akka danda’aniitti itti hawwaasomuun leenji’aniidha (Kalmijn, 2004; Ezenweke, 2016). Gaa’elli bakkatti gurbaafi intalli kaayyoo isaanii galmaan itti gahatan, kaayyoo tokkoof itti dhaabbatan, bakka gahee sababa bultii ijaarrataniif isaaniif kenname itti bahaniidha. Gurbaafi intalli osoo gaa’elaan walitti hindhufin dura adda turan gaheefi itti gaafatamummaa akka yeroo gaa’elatti galanii bahan hinqaban ture. Erga jireenya addummaarraa gara waliin jiraachuutti seenanii booda garuu itti gaafatamummaa akka maatiifi hawaasaatti isaanirraa eegamu bahuu jalqabani. Gaa’ela keessatti gurbaafi intalli bakka dur turanirraa gara sadarkaa hawaasaatti yoo ce’an eenyummaa dur qaban dhiisanii eenyummaa haaraa argatu. Fakkeenyaaf, intalli maqaa dur ittiin waamamtu dhiistee maqaa haaraa argatti (Berry, 1984). Aadaa ummata hedduu keessatti intalli gosa warra isheetii baatee gosa warra gurbaatti yoo makamtu maqaa dur qabdu dhiistee maqaa haaraan waamamti; kan gosa itti heerumtee sanaa taati.

Akka biyyoota Afrikaatti gaa’elaan bultii ijaarrachuu keessatti ilmaafi intala walfuudhuuf barbaadan keessaa kan akka gaa’ilichi ijaaramu gaafatu gurbaa/maatii gurbaati (Nwadiokwu fi wk 2016). Maatiin intalaa gaafii warra gurbaarratti hundaa’anii warri gurbaa kan isaaniif ta’aniifi ulaagaa isaan barbaadan kan guutan ta’e ta’uu erga mari’atanii booda intala kennu. Ulaagaa warri intalaa ilma intalaa isaanii kadhaa dhaqeen walqabsiisanii qoratan keessaa tokko gurbaan qabeenya intala ittiin horatu qabaa kan jedhus ta’us, akka Ezenweke (2016) ibsetti, kanarra garuu, gosni gurbaa gaarii ta’uufi kaayyoon manaa bahameef kan galma gahu ta’uurratti xiyyeeffatu.

Gaa’elli yoo ijaaramu namoota firooma qaban gidduu akka hintaane ofeeggaannoo guddaatu taasifama. Akka aadaatti gaa’elaan mana ijaaruuf yoo karoorfatan waa’een firummaafi gosumma gurbaa fuudhuufi intala heerumtuu bal’inaa xiyyeeffatama (Nwadiokwu fi wk, 2016). Sababnisaas, akka ibsa namoota kanaatti namoonni fira ta’an yoo walfuudhaan kan dhalchan hinguddatuufi; kan horan hineebbifamuufi jedhamee akka aadaafi safuu hawaasaatti waan sodaatamuufi. Kanarraa ka’uun namoonni fira ta’an, darbees gosa ta’an akka walhinfuunne gama waan jedhamuufi godhamuu baay’isee balaaleffatama.

Sirni gaa’elaa yoo adeemsifamu raaw’iileen gochaafi jechaan raaw’atan fakkoommii adda addaa qaban kan gurbaa fuudhuufi intala heerumtuun walqabatee faayidaa mataasaanii qabaniifi darbees, gaa’elichi tasgabbaa’aafi milkaa’aa akka ta’uuf raaw’ataman jiru (Ezenweke, 2016). Kanneen keessaa fakkoommii meeshaaleen ta’an yoo ilaallu, akka aadaa biyyoota Afrikaa tokko tokkootti gurbaafi intalli meeshaalee adda addaatiin yoo fakkeeffaman mul’ata (Rasing, 2021). Fakkeenyaaf, intalli meeshaa waa keessa olkaa’ataniin, gurbaan immoo meeshaa waa ittiin tumatan, qotataniifi kkf fakkeeffama. Akka Rasing qorannoo biyyoota kibba giddu-galeessa Afrikaarratti hojjeteen ibsetti, meeshaa intalli ittiin fakkeeffamtu keessaa tokko okkoteedha. Okkoteen meeshaa waa itti naqatan, dalagataniifi olkaa’ataniidha. Kanarraa ka’uun meeshaa kana guyyaa cidhaa warra intalaaf kennani. Kun kan agarsiisu, meeshaan warri intalaa yoo intala heerumsiisan intalaaf qopheessan tokko tokko fakkoommii mataasaanii kan qaban ta’uudha.

Gaa’elli qabxiilee adda addaarratti hundaa’ee iddoo garagaraatti qoodamuu danda’a. Kanaan walqabatee (መኮንን, 2007) gaa’ela gosaan qooduuf sirni gaa’elichi ittiin raaw’atu ykn hanga namoota gaa’ela tokko keessatti walfuudhaniirratti hundaa’uu danda’a jetti. Kanas gaa’ela hanga namoota gaa’ela tokko keessatti walfuudhanii Randall (1988) waabeeffachuun yoo ibsitu, gaa’ela dhiirri tokko dubartii takka itti fuudhu ykn dubartiin takka dhiira tokko itti heerumtu (Monogamy) fi gaa’ela bultii lama ykn lamaa olitti horatan (Polygamy) dha. Polygamy gosa lama: kan dhiirri tokko dubartii lamaafi lamaa olitti fuudhu (Polygyny) fi gaa’ela dubartiin takka dhiira lama ykn isaa olitti heerumtu (Polayndry) dha. Gosoota gaa’elaa sadan kanneen keessaa kan dubartiin takka dhiira lamaafi isaa olitti heerumtu akka biyya keenyaatti hinjiru.

Gosoota gaa’elaa sadan keessaa iddoo qorannoon kun itti adeemsifame Oromoo Arsii biratti kan beekaman gosoota fuudhaa heerumaa dhiirri tokko dubartii takka, dubartiin takka dhiira tokko waliin bultii ijaarrataniifi dhiirri tokko dubartii lamaafi isaa olwaliin bultii ijaarrataniidha. Lamaan keessaa immoo akka Arsiitti kan bal’inaa hojiirra oolaa jiru sirna gaa’elaa dhiirri tokko dubartii lamaafi isaa olwaliin bultii ijaarratuudha. Kanarraa ka’uu akka Arsiitti dhiirri dubartii takka qofa fuudhu sirrii akka hintaane ibsuuf ‘*namni niitii takka nama ija takkaati’* jechuun mammaakama. Kana jechuun akkuma namni ija takkaa yoo ijji takkittiin sun bade jaamaa ta’u, namni niitii takka qofa qabus yoo isheen hinjirre jireenyi itti dukkanaa’a yaada jedhu ibsuufi. Akkuma kana Henrich fi wk (2012) akka ibsanitti, gaa’elli dhiirri tokko dubartii lamaafi isaa olitti fuudhu akka addunyaatti saboota hedduu biratti kan hayyamamuudha. De la Croix & Mariani (2015) faanis gosni gaa’ela kanaa addunyaarratti bal’inaan kan hojjoomaa ture ta’uu qorattoonni xiinaadaa akka mirkaneessan kaasani.

Gama biraatiin gaa’elli kan aadaarrattiifi amantiirratti hundaa’ee adeemsifamu jedhamuun hiramuu danda’a. Ta’us, bara ammaa kana amantiileen garagaraa aadaa hawaasaarratti dhiibbaa gochaa dhufuusaanitiin sirni gaa’elli tokko bal’inaan itti hundaa’uun raaw’atamaa jiru amantiitti harkifachaa jira. Gaa’ela aadaafi amanatiirratti hundaa’ee raaw’atamu haa jedhamu malee, yeroo ammaa hawaasa keessatti kan raaw’atamaa jiru kan seera aadaafi amantiirratti hundaa’ee raaw’atamaa jiruudha. Kana jechuun gaa’elli tokko yoo raaw’atamu sirni amantiifi aadaa walkeessa makamee hojjoomaa jira.

Gaa’elli tokko qabxii kamirratti hundaa’ee kan gosa kamiitiyyuu ta’u adeemsaafi sirni jalqabaa hanga dhumaa ittiin raaw’atamu kan yeroo dheeraa qaba (መኮንን, 2007). Gaa’elli tokko jalqabamee hanga xumuramutti ykn mucaafi micayyoon walitti dhufanii hanga waliin jireenya eegalanitti sirnoonni adda addaa kan fakkoommii garagaraa qaban ni raaw’atamu. Fakkeenyaaf, warri gurbaa erga waan qorachuu qaban qoratanii booda gaafa kadhaaf warra intalaa deeman milkii ilaallatu. Adeemsa milkii ilaallachuu keessatti Badhaasoo (2000) ibsetti, warri gurbaa intalli kadhaaf deeman kan isaaniif taatu ta’uu wantoota yoo deeman karaarratti arganirratti hundaa’uun milkii gaarii badaa jedhanii ilaallachaa deemu. Akka ibsa Badhaasootti, intala kadhaaf yoo deeman wantoonni akka milkii gaariitti ilaalama: dubartii bishaan guutuufi aannanii

deemtu, looniifi kkf fa'a. Milkii badaan immoo hubboo qullaa, harraagessa iyyu, horii kottee-duudaa, dubartii abbaan warraarraa du'e, saree gurraattiifi kkf.

Akka Oromoo Arsiitti gaa'elli tokko dhimmaafi adeemsa keessa darbee gurbaafi intalii walitti dhufuun bultii itti ijaarratan ykn karaan gurbaan/dhiirri tokko intala takka gara manasaa itti fudhatu karaa gaa'ela kadhaa, buttaa, dhaalaa, meembeetoo, irra dhaabaafi aseennaa ta'uu danda'a. Gosoonni gaa'elaa kunneen dhimma raaw'atamaniif kan qabanis ta'u, kanneen keessaa adeemsi gaa'elaa idilee ta'eefi bal'inaan dhimma baasu gaa'ela kadhaati. Raaw'ileen gaa'elaan walqabatanii raaw'ataman dubartiifi dhiiraan walqabatee waan ijaaran, ergaa dabarsaaniifi gaheen dubartiifi dhiiraa maal akka ta'e haalatti ibsan qabu. Kunimmoo akkuma qorannoo kanaanirratti xiyyeeffatame sirni gaa'elaa akkamiin koornayaa ijaaruun akka daddabarsu kan agarsiisuudha.

### 2.3.3. Du'a ykn Sirna Boo'ichaa

Marsaa jireenya dhala namaa keessaa tokko kan ta'e ce'umsa namni kamuu jireenyaa isaa/ishee keessatti osoo bira hingahin hinhafneedha. Namni dhalootaan gara addunyaa dhufe tokko gaafa guyyaan isaa/ishee gahe du'aan addunyaarraa deema/ti. Kun duuni marsaa jireenya dhala namaa ykn uumama biraa keessa kan hinhafne ta'uu agarsiisa (Moyo, 2014). Duuni marsaa jireenyaa uumama addunyaarra jiruurraa hinhafneefi nama jaalatanirraa kan adda nama baasuus ta'u, namni tokko du'aan namarraa yoo adda bahe firoonniifi namoonni nama du'e waliin hariiroo qaban waliin ta'uun akka aadaa isaanitti gadda isaanii ibsachaa nama du'ees sirnaan gaggeessu (Nwosu fi wk, 2017). Akka namoonni kunneen ibsanitti, duuni akka addunyaatti kan jirus ta'u, haalli itti gadda nama du'aan namarraa adda bahee ibsatan, sirna awwaalaa raaw'ataniifi wantoota adda addaa taasisan aadaa aadaatti adda addummaa qaba.

Akka ilaalcha Afrikaatti duuni lubbuun nama tokkoo fooniin adda bahuun gara addunyaa afuuraatti makamuudha. Inni kun immoo sadarkaalee sirnoota marsaa jireenyaa sadan Van Gennep (1909) adda bahuu, ce'umsaafi itti makamuu jedhee kaa'e keessaa adda bahuun kan ibsamuudha. Namni tokko yoo du'e maatiifi firoottan isaarra adda bahuun maatiin isaa waan dur qaban—fakkeenyaaf, abbaa yoo ta'e abbaa dhabuu, haadha/abbaa warraa yoo ta'e abbaa/haadha warraa dhabuufi kkf ta'a. Namni du'e immoo lubbuun foonirraa adda bahuun sadarkaa

jireenyaarraa du’aatti ce’a. Aadaa garagaraa keessatti, fakkeenyaaf, akka Afrikaatti yoo lubbuun fooniin adda baatee gara addunyaa afuuraa deemtu lubbuu san addunyaa afuuraa waliin walitti araarsuufis ta’ee, kabaja nama du’e sanaaf qaban ibsuuf, yeroo lubbuun fooniin adda baaterraa eegalee sirnoonni adda addaa raaw’atamu (Lobar fi wk, 2006; Moyo, 2014). Akka namni tokko du’een wanti jalqaba ta’u reeffa ega tottolchanii, dhiqanii kafanuu, akka mantii hordofaniitti ni hayyamama yoo ta’e sandaqa keessa kaa’an qopheessuudha. Moyo’n akka ibsetti, sirnoonni ta’an aadaafi amantiirratti kan hundaa’aniidha.

Aadaa saboota Afrikaa hedduu keessatti sirnoonni du’arratti raaw’ataman saala nama du’eerratti hundaa’uun adda addummaa qabu. Saala nama du’eerratti hundaa’uun wanti dhiiraafi dubartiin raaw’atan adda; loogiis qaba (Moyo, 2014; Nwadiokwu fi wk 2016). Akka barreessitoonni kunneen aadaa biyyoota Afrikaa tokko tokkorratti hundaa’uun ibsanitti, abbaa warraafi haadha warraa keessaa tokko yoo lubbuun darban sirni abbaan warraa haadha warraatiif itti gadduufi haati warraa abbaa warraatiif itti gadditu adda; iddoo tokko tokkootti loogiis qaba. Haati warraa abbaan warraarraa du’e takka akka aadaa biyyoota Afrikaa tokko tokkootti baay’ee of miidhuun darbees, yeroo dheeraa akka gadditu barbaadama. Abbaan warraa haati warraa jalaa duute akka haadha warraa abbaan warraa irraa du’ee baay’ee akka gaddu, gochaaleefi sirnoota isa miidhaan akka raaw’atu hinbarbaadamu. Ijaarsuma aadaa saboota Afrikaa keessaayyuu, sirnoonni gaddaa abbaan warraa haati warraa jalaa duute raaw’atu hinjirani (Moyo, 2014). Yaadni Edet (1992) Moyo (2014:217) irratti dhihaate, ‘‘among most African communities, the death of a husband heralds a period of imprisonment and hostility to the wife or wives. The treatment may or may not be out of malice, but in all cases, women suffer and are subjected to rituals that are health hazards and heart rending” jedhu loogii jiru sirriitti ibsa. Ibsi yaada kanaas, saboota Afrikaa hedduu biratti duuti abbaa warraa haadha warraatiif yeroo rakkoo, yeroo itti mankaraaraa, yerootti sirnoota qaamanis ta’ee waa hundaan miidhaa guddaa isheerraan gahanitti saaxilamtuufi yerootti wantoonni laphee ishee cabsan isheerra gahaniidha kan jedhuudha. Moyo’n sirni boo’ichaafi gaddaa biyyoota Afrikaa tokko tokkoo akka meeshaa dubartoonni ittiin hacuucamaniitti tajaajila jechuun ibsa.

Moyo’n qorannoo biyya Zimbaabuwee irratti dalageen akka eeretti, haati warraa abbaan warraarraa du’e hanga awwaalachaa sirnoota miidhaa isheerraan gahan kan akka ilaalcha

hawaasaatti afuurri abbaa warraa akka ishee gaddisuuf jedhamanii raaw'atan hedduu raaw'atti. Awwaalchaan boodas yeroo dheeraa—hanga waggaa tokkoo fa'a uffata gurraachaa jijjiirraa hinqabne uffachuun, dabalees, gochaalee qaamanis ta'ee, xiinsammuun miidhaa isheerraan gahan gochaa gaddaan dabarsiti. Gaafa waggaa geessu abbaa warraa du'eef sirna yaadannoo gochuun huccuu gaddaa jijjiirrachuun gosa abbaa warraa keessaa nama ishee dhaaluuf aangoo qabuun qabeenya ishee waliin dhaalamti. Akka Moyo'n ibsetti, kanaan ala qabeenya ishee qabattee nama barbaaddeetti heerumuu hindandeessu; ishees ta'ee qabeenyi ishee gosa namicha du'eetiin dhaalama. Yoo dhaalamuu didde immoo Moyo (2014:226) "If the widow decides not to be inherited she can be chased away from the family of the deceased empty handed", jechuun akka kaa'etti, qabeenyaafi waan hunda dhiiste qa'ee gosa abbaa warraatii deemti.

Akka Moyo'n ibsutti, dubartiin abbaan warraarraa du'e wantoota miidhaa isheerran gahan raaw'achuun kan gadditu ta'us, abbaan warraa haati warraa jalaa duute akka dubartiin gaddituttii kan haadha warraa isaatiif kan gaddu miti. Bultii biraas kan dafee ijaarrachuu dhiisu miti; yeroo barbaadetti dubartii barbaade waliin bultii ijaarrata. Kanaaf immoo maddi akka barreessaa kanaatti sirna bulchiinsa dhiiraa kan warra dhiiraatiif dursa kennuufi fayyadamtoota taasisuudha. Haalli kun biyya keenya iddoo qorannoon kun itti adeemsifametti (keessaayyuu, yeroo amma duraa) bal'inaan kan calaqqisu waan ta'eef, qorannichaan irratti xiyyeeffatameera. Haalli kun biyya keenyatti yeroo amma duraa calaqqisa jechuun, amma guutumatti hinjiru jechuu miti. Gochichas ta'ee dhiibban gochicha hordofee dhufu inuma jira.

Maatiirraa abbaan yoo du'e, abbaan maatiif bulchaa, mataafi kkf waan ta'eef, namni kun yoo ilma qabaate, du'arratti ilmi kun uffata—kootii abbaa uffata (Mamosadi, 2023). Kan gochuun kan agarsiisu, ilmi kun bakka abbaa bu'uun maatii kan bulchu, kan hoogganu ta'uu mul'isuufi. Kana qofa osoo hintaane, akka ilaalcha saboota addunyaa tokko tokkoo keessayyuu Afrikaatti, yoo maatiin tokko du'e eenyummaafi warra kanummaa maatii tokkoo kan itti fufsiisu ilmaan maatii sanaa keessaa ijoollee dhiiraatti jedhamee amanama. Kanarraa ka'uun maatiin ilmaan dhiiraa gaafa nuti duune eenyummaa keenya itti fufsiisa kan jedhurraa ijoollee dhiiraa kan durbaarra olaantummaan ilaala (Milazzo, 2014).

### 2.4. Yaadrimee Koornayaa

#### 2.4.1. Koornayaafi Saalaa

Asirratti, waa’ee koornayaa qofa kaasuun yaadrimee koornayaa ifa gochuu dhiisuu mala. Kanaaf, yaadrimeen namoonni hubannaan ala koornayaan waljijjiiranii dhimma itti bahan waan ta’eef, waa’een saalaas ka’uu qaba. Jalqabarratti, jechoonni koornayaafi saala jedhan jechoota walfakkaatoo ykn bakka walbu’uun tajaajilanii miti; jechoota garaagarummaa gama uumamaafi aadaatiin dubartiifi dhiira gidduu jiru ibsuuf oolaniidha (Neculaesei, 2015). Koornayaan gaheefi ilaalcha hawaasa keessatti gama hawaasummaatiin, xiinsammuutiin, diinagdeetiin, siyaasaatiin dhiirri kana ta’uu qaba; dubartiin immoo akkana ta’uu qabdi jedhamee kennamuufiidha (Waliyie, 2004). Koornayaan waan wajjiin dhalannuufi uumamaan nuuf kennamuu miti; waan nuti ijaarrannuudha; darbees waan nuti raaw’annuudha (Butler, 1990).

Saala jechuun, uumamaan dhiiraa ykn dubartii ta’anii argamuufi ulaagaa qaamni nama tokkoo uumamaan guutu yoo ta’u, koornayaan immoo ilaalchaafi hubannoo hawaasni dhiira ykn dubartii ta’anii uumamuuf kennu; amala hawaasni dhiira/dubartiirraa eeguudha (Lee, 2005). Saalli kan namni tokko dhiira ykn dubartii ta’ee waliin dhalatu; koornayaan immoo karaatti saalli hawaasaan ibsamuudha (Eckert and Ginet, 2003). Saalli dhimma uumamni murteessuufi dhaabbataa ta’eedha; koornayaan immoo dhimma hawaasni ijaaruufi kan yeroofi aadaa adda addaarratti hundaa’ee jijjiiramuudha (Neculaesei, 2015). Greenhill fi wk (2009) akka ibsanitti, koornayaan amaloota sirrii hawaasaan murtaa’an kan dhiirummaan ykn dubartummaan guutuu qabuudha. Greenhill fi wk (2009:266-7) faan akka kaa’anitti, koornayaan daangaa hawaasni waliigalteen sochii dhiiraafi dubartii too’achuuf ijaaru, tolchuudha. Kunis akkuma isaan barreessanitti yoo dhihaatu: “Gender is constructed in  each culture and era to normalize what is appropriate and inappropriate for men and women to do, wear, think, and say” kan jedhuudha. Kana jechuun, koornayaan yeroofi aadaa kamiiyyuu keessatti waan sirriifi sirriin taane dubartiifi dhiirri raaw’achuu, uffachuu, dubbachuufi yaaduu qaban beeksisuuf, ibsuuf kan ijaaramuudha.

Koornayaan akkatti namni (dhiiraa/dubartii) tokko ofilaaluufi waan ykn amala hawaasni nama tokkoorraa eegus dabalata (Isuma). Koornayaan yaada namni ofiif qabuufi hariiroo hawaasa waliin qabu, bakka hawaasni nama tokkoof kennuufi haalatti hawaasni nama tokko keessummeessurratti; dabalees, dhaabbilee garagaraa kanneen akka barnootaa, fayyaafi kkf

dhiibbaa/gahee mataasaa qaba (Tyson, 2006). Ummatoonni addunyaa ilaalcha koornayaarratti muuxannoo jiruu jireenya bara dheeraa beekumsa ganamaarraa ijaarratan fokloorii fayyadamuun iddoofi haala adda addaa keessatti dhiiraafi dubartii ittiin ibsu; gahee koornayaa isaaniirraa eegamus ittiin hubachiisu. Kunis, akkatti dhiiraafi dubartiin socho'uu qaban ibsa, ibsaafi bakka hawaasa keessatti jarreen kanaaf kennamuurratti hundaa'uun addunyaa (wantoota lubbu-qabeeyyiifi dhabeeyyii itti ilaalu) ittiin qajeelchu.

### 2.4.2. Gahee Koornayaa

Gaheen dhiiraafi dubartii qaama addunyaa hundarratti, bakkaafi haallitti ibsamuun garaagarummaa haa qabaatu malee bifuma walfakkaatuun jiraachuu mala (Waliyie, 2004). Kanarratti gahee jechuun, seerota fudhatamoo hawaasaan nama ta'e tokkoof (dhiira/dubartii) ykn miseensa gareesaatiif kennamaniifi kanneen dhiirummaa ykn dubartummaa waliin deemaniidha. Seeronni hawaasaa kunneen immoo kanneen haala duudhaa, safuufi aadaa hawaasichaarratti hundaa'uun, bakka murtaa'aa ta'e tokko keessatti amala namootaa too'ataniidha (Wienclaw, 2011). Gaheen koornayaa qoodaafi amala hawaasaan nama tokkoof saalasaa/sheerratti hundaa'uun kennamuufi waan namni tokko dhiira/dubartii ta'uusaa/sheetiin akka raaw'atu/ttuu irraa eegamuudha (Bem, 1993).

Amalaafi ilaalcha akka aadaafi duudhaa hawaasaa tokkootti dhiiraaf/dubartiif gaariidha jedhamee fudhatameedha (Golombok & Fivush, 1994). Amalliifi ilaalchi kun sirrummaan isaa mirkanaa'ee nama tokkoof saala bu'ura godhachuun kennama jechuudha. Kanumaan gahee koornayaa jechuun, haalatti namni dhiiraa/dubartii ta'e tokko hawaasa keessatti itti uffatu, dubbatu, yaadu, socho'uufi wantoota adda addaatti raaw'atuudha. Kun kan agarsiisu, gaheen koornayaa ibsa ykn qajeelfama hawaasaan aadaafi duudhaarratti hundaa'uun sochii dhiiraafi dubartii murteessuuf kennamu jechuudha. Kana ilaalchisee Mulamba'n (2013: 50) gaheen koornayaa ibsa hawaasaa ta'uu yoo ibsu: "Gender roles are defined by society that determines women's and men's activities, statuses, and psychological characteristics" jedha. Kunis, gaheen koornayaa ibsa hawaasni hojii, sadarkaafi xiinsammuu dhiiraafi dubartii murteessuuf kennuudha.

Ibsi hawaasni waan dhiiraafi dubartiin raaw'achuu qabaniif kennu kun, waan dhiiraafi dubartiin raaw'achuu qabaniifi sadarkaa isaanii qofa osoo hintaane, xiinsammuu isaanillee haala kana

amananii akka fudhatan gochuurratti gahee qaba jechuudha. Dhiirri/dubartiin tokko/takka immoo hawaasaan fudhatamuuf waan/seera (gahee koornayaa) hawaasaan taa'e ykn gahee koornayaa jiruu jireenya hawaasaarraa muuxatan kan xiqqumalleerraa goruun hindanda'ame kana hordofuu qabu. Kunimmoo dhiiras ta'ee dubartiin dandeettiifi humna qaban baasanii akka hinfayyadamne godhuun jiruu jireenya hawaasaatti gufuu ta'a (Greenhill fi wk, 2009).

### 2.4.3. Eenyummaa Koornayaa

Eenyummaan koornayaa miira namni tokko akka dhiiraatti dhiirummaarratti qabuufi akka dubartiitti dubartummaarratti qabduudha. Akkuma eenyummaa isa kamiituu eenyummaan koornayaa hawaasummaadhaan ijaarama. Mukoni (2019) akka ibsetti, eenyummaan koornayaa kan namni tokko akka dhiiraa ykn dubartiitti ofilaaluufi, gaheefi wantoota hawaasa keessatti nama tokkorraa akka dhiiraa ykn dubartiitti eegaman, hariiroo namni tokko hawaasa waliin qabdurratti hundaa'uun ijaarratu/ttu; akkasumas, hawaasaan dhiibbaan irra ga'uudha. Ijaarsi kunis kan jalqabu yeruma daa'imuummaarraa eegalee, fakkeenyaaf, haalli maatiin ykn haati daa'ima dhiiraafi dubartii itti kunuunsitu addarraa bu'ura gochaachaa deema. Akkasumas, haalli kun akkaataa namoonni gurguddaan ijoollee durbaafi dhiiraa itti ilaalaniifi hubatan adda ta'uurraas baay'ee ifa (Giddens, 1991).

Eenyummaan koornayaa ijaarsa hawaasummaa, kan namni tokko saala isaa/isheerratti hundaa'ee ijaarratu. Eenyummaan koornayaa saala namni tokko uumamaan qabatee dhalatuun oli; hariiroo hawaasaarratti hundaa'uun haala adda addaan (dhaabbilee hawaasaa, aadaafi kkf irratti hundaa'uun) iddoo adda addaatti bifa garagaraatiin ijaarama (Dunne, 2009). Eenyummaan koornayaa kan hawaasa keessa jiraatan tokkorratti hundaa'uun ijaarratan malee kennaa uumamaa miti. Akkasumas, waan yeroo tokkoon argamu osoo hintaane, waan jireenyuma keenya guutuu keessatti dhaabbilee hawaasaafi galumsoota adda addaa keessatti ijaaraafi mul'isaa deemnuudha (Butler, 1990). Waan namaa kennan osoo hintaane, waan hirmaannaa si'ataa hawaasa keessatti qabanirratti hundaa'uun ijaarrataniidha (Dunne, 2009).

Akka Dunne (2009) ibsetti, karaan namni tokko eenyummaa koornayaa itti ijaarrattu sirna ittiin bulmaata hawaasaafi dhaabbilee hawaasaa kanneen akka maatii, mana barumsaa, amantaafi kkf dhiibbaan irra gaha. Dhaabbileen hawaasaa kunneen dhiiraafi dubartiin akka gahee koornayaa

isaaniitti socho'uu akka qaban ykn waan akka aadaafi duudhaatti isaanirraa eegamurratti hundaa'anii akka socho'aniif daangaa kaa'u. Seeraafi caasaan dhaabbilee hawaasaa kunneen sochii namni tokko (dhiirri/dubartiin) hawaasa keessatti taasisu/tu waliin ta'uun ijaarsa eenyummaa koornayaa nama tokkoo murteessu (Giddens, 1991).

### 2.4.4. Loogii Koornayaa

Loogiin koornayaa ilaalcha waa'ee dubartummaafi dhiirummaa gareen hawaasaa waliin jiraatu tokko waliin qabuudha (Eagly, 1987). Loogiin koornayaa amala aadaawaafi duudhawaa dubartiifi dhiirarraa eegamuudha. Loogiin koornayaa ijaarsa hawaasaa ilaalcha dubartiifi dhiira ijaaruurratti gahee guddaa qabu; humna raaw'ii dubartiifi dhiiraa murteessuun dhiibbaan akka uumamu taasisuudha (Eagly, 1987; Lee, 2005). Dubartiifi dhiirri uumamaan dubartiifi dhiira ta'anii uumamuutti dabalee gahee akka aadaafi duudhaa hawaasa keessatti dhalatanii guddatan irratti hundaa'anii bahan qabu. Akkasumas, bakki dubartiifi dhiirri qaban adda. Innis kan garee hawaasaa dubartoota laaffisuufi warra dhiiraa jajjabeessuudha. Ibsi dubartootaaf kennamu harki caalaan akka dadhabdootaatti, beekumsa, yaadaafi ogummaa biyya fayyadu hinqabneetti kan isaan ilaaluudha (Waliyie, 2004). Akkasumas Greenhill fi wk (2009) faan akka ibsanitti, haala akka addunyaa guutuutti jedhamuu danda'uun dubartootaafi yaada ykn dubbiisaanitiif bakki kennamu xiqqaadha. Akka ibsa kanaatti, haasaan namoonni dhiiraa naannootti waliin haasa'an tokko akka ijoo gaariifi oduutti "news" fudhatama. Haata'u malee, haasa'uma walfakkaataa kana yoo dubartoonni waliin taasisan akka ijoo gaariitti osoo hintaane, akka hamiifi olola ganda keessatti ilaalama. Kun kan agarsiisu, ilaalchi gama hawaasaan dhiiraafi dubartiirratti ijaarame, dhiiraafi dubartiin akka qaama hawaasaa walgitaniifi waliin jiraatanii tokkotti osoo hintaane, akka faallaafi inni tokko olaanaa ta'eetti.

Daa'imman koornayaan leenjisanii guddisuu keessatti haalli jiru kan gareen tokko olaanaafi gareen kuun immoo gadaanaa itti ta'uudha. Kunis, haala dubartiin namoota akka tajaajiltu taasisu, dhiirri immoo akka tajaajilamu taasifamuudha. Maatiin ijoollee yoo guddisan ijoolleen durbaa mataa/ija gadi qabachuun ajajamtoota akka ta'aniifi warri dhiiraa immoo akka bulchuufi too'achuu danda'an taasifameeti. Fakkeenyaaf: Dunne (2009:5) kaa'etti: "mothers teaching their daughters how to sit, dress, serve and listen; the invitation for boys to take up space, speak and act publicly, rites of passage from boyhood to manhood etc" Kunis kan ibsu, haati takka ijoollee

yoo guddistu ishee intalaa akka isheen itti teechu, uffattu, dhaggeeffatuufi gaafa heerumte abbaa warraafi namoota biroo tajaajiluu dandeessu barsiisuudhaan. Faallaa kanaa isa dhiiraa immoo akka inni ofdanda'u, addabaabaayirratti dubbachuu danda'u, akka inni bakka qabaatu, akka inni mucummaarraa gara nama jabaa ykn dhiirummaatti ce'uu danda'u fa'a gochuun guddisti.

Ijoolleenis—keessaayyuu, kan durbaa haala kana miireffachaa kan deeman ta'uu, Mulamba'n (2013: 58) yoo ibsu: "The young girl unconsciously internalizes (and unquestionably) values and behaviours, even those which are detrimental to her own interests" jechuun kaa'a. Yaadichis kan ibsu, ijoolleen dubaraa sonaafi amala koornayaa aadaa isaanii keessa jiru kan isaan miidhuus haa ta'uu, osuma hinbeekin ykn gaafii tokko malee kan isaanii godhachaa deemu. Kanammoo haala garagaraan, fakkeenyaaf: sirbaan, seenessaan, raaw'iin mul'isaa, ilaalcha dhiiraa sirrii hintaane dubartootarraati cimsaa deemti (Isuma). Adeemsa akkanaa keessatti, fakkeenyaaf: dhirsaafi niitii yoo fudhanne, akka Mulamba'n haala Afrikaarratti hundaa'ee ibsetti, niitiin dirqama malee mirga hinqabdu; dhirsi immoo mirga malee, dirqama hinqabu. Kan jechuun dhiirri waa hinhojjetu jechuu osoo hintaane, inni waan hojjetu fedhasaarratti hundaa'uun hojjeta. Akka Mulamba'tti (duudhaa Afrikaarratti hundaa'uun) dubartiin takka kana hingoone taanaan bakka itti heerumteefi nama itti heerumte sana biratti akka haadha warraa gaarii takkatti hinfudhatamtu. Kanaaf, dirqamatti jibbituus waan hinfeene ykn ishee miidhu tokko hojjoomsiti.

Akkaataan maatiin ijoolleetti guddisan kun aadaafi duudhaa keessatti akkuma adeemsa isa sirriifi qajeelaatti fudhatamee jiruu jireenya keessatti hojiirraa oola (Mulamba, 2013). Akka ibsa Dunne'tti namni kana fudhachuu dide kan adabamu ta'uu: "For those who resist or do not conform there are explicit forms of social regulation usually enacted by others (mothers, fathers, siblings, peers) in the same social context (2009: 5)" jechuun kaa'a. Kana jechuun namni waan akka duudhaa hawaasaatti barame kana fudhachuu dide akkaatuma duudhaa hawaasaatti garee namootaa akka haadhaa, abbaa, hiriyyaafi kkf karaafi haalatti too'atamu qaba.

Namni daangaa duudhaan taa'e cabse waan hawaasaan isa/isheerra gahu ni dhamdhama/mti (Malang, 2017). Dubartiin akka hawaasaatti cimtuu taatee iddoo hundatti hirmaattee argamte takka ija gaariin hinilaalamtu; dhiirri hojiilee dubartiitti jedhamanii murtaa'an hojjete tokkos akkasuma ija hamaadhaan ilaalama (Dunne, 2009). Dhiirri tokko waan dhiirummaasaa mirkaneessan kan abbootasaarraa dhaale qabatee argamuu qaba; wantoota amala dubartummaa

isarratti mul’isan: ofbabbaareechuu, wacee dubbachuufi kkf irraa maquu qaba (Wandi, 2015, Malang, 2017 keessatti). Dunne’n kana too’achuuf wanti taasifamu jecha afaanirraa qabee hamma miidhaa qaamaas kan deemu ta’uu mala jedha. Haalli kun aadaan gareen tokko (dhiirri) olaanaa keessatti ta’uufi kuunimmoo (dubartiin) keessatti maqsamtu akka uumamu taasisa.

### 2.5. Gooroowwan Fokloorii—Sirnoota Marsaa Jireenyaa Koornayaa Ijaaruurratti

Ilaalchi hawaasni tokko addunyaaf qabu, akkaataan inni itti wantoota hubatu, wantootaaf hiika kennuufi kkf waan kamuu caalaa fokloorii hawaasa sanaarraa hubatama. Senkoro (2005) irratti kan ibsame, aadaafi duudhaan hawaasa tokkoo fokklooruma hawaasichaarraa karaa sirnaawaafi gadfageenya qabuun hubatamuu danda’a kan jedhuudha.  Itti fufees Senkoro’n falaasamni jiruu jireenya hawaasa tokkoo karaa beekumsa fokklooriitiin ifooma jedha. Yaadni inni kaa’e akkuma jirutti yoo taa’u: “The folklore of a people enables us to observe and behold, as though through telescopic eyes, such people’s patterns of beliefs and their customs. In this way, a people’s philosophy of life is revealed by way of their folkloric wisdom” (ff: 1). Fokloriin dhugaa hawaasaa mara akka hawaasichi beekuufi dabarfatuu barbaadutti osoo homaa hindhoksin akka jirutti dabarsaafi. Dhimma hawaasni akkanatti haa raaw’atamu jedhee seera baaseef akkuma inni yaadutti galmaan gaha. Dhimmoota hawaasni karaa fokloorii mul’afatuufi waa’eesaa dhaloota ittiin leenjifatu keessaa tokkommoo ilaalcha koornayaarratti adeemsa yeroo dheeraarraa ijaarratee qabuudha.

Koornayaan aadaa keessatti kallaattii maraan, fakkeenyaaf: diinagdee, hawaasummaafi kkf keessatti karaa walxaxaa ta’een dhimma ijaarameedha (Waliyie, 2004). Akka Greenhill fi wk (2009) faan ibsanitti, ilaalchi koornayaa aadaa keessatti kuufameefi gooroowwan fokloorii garagaraa keessan ifu akka mul’isutti, raaw’iifi gaheen dubartootaa manaafi naannoo manaa qofatti kan daanga’eedha. Dubartoonni naannoo manaatii fagaatanii hojii humnaa hojjechuu hindanda’an jedhamanii waan yaadamaniif, hojiilee mana keessaafi naannoo manaatti daanga’ani (Waliyie, 2004). Warri dhiiraammoo fagoo deemanii hojiilee humna barbaadan raaw’achuu danda’u jedhamanii waan yaadamaniif dalagaansaanii manaan ala ta’e. Darbees, warra dhiiraatiif ilaalcha biyya bulchu, ga’umsa qabu jedhamutu kennamaaf waan ta’eef, gaheen waa hunda too’achuu, ajajuufi kkf laatamaaf; isaaniifi hojiinsaanii olaantummaafi beekamtii argatu (Breines, Connell and Eide, 2000). Akka barreessitoonni kunneen jedhaniitti, addunyaarratti

iddoon haalli akkanaa kun ittiin mul’anne jira jechuun rakkisaadha. Ilaalchi kun duudhaafi aadaa hawaasaa keessatti bu’ura cimaa tolfachuun karuma duudhaatiin bahee mul’ata.

**Sirnoota Marsaa Jireenyaa Leelloo Ilmaa Intala Mul’isuurratti: Ormeessuufi Firoomsuu**

Akka Beauvoir (1949) kitaaba ishee ‘The Second Sex’ jedhurratti ibsitetti, dubartoonni warra dhiiraatiin ‘akka kan biraatti’ “others” fudhatamuun alagoomanii waan ijaaramaniif, waan uumamaan ta’anii argaman osoo hintaane, waan biraa ta’uun jiraatu. Kitaaba mata-duree ‘The Politics of (M)Othering’ jedhu yaadni barreessitoota garagaraa walitti qindaa’uun, Nnaemeka (1997) galaaltuu ta’uun barreessiterratti ogbarruufi Afaanota dhalootaa Afrikaa keessatti seeneffama yeroo duriifi falmiiwwan yeroo ammaarratti dubartoonni ‘kan biraa’ jedhamuun akka ijaaramantu ibsame. Beauvoir warri dhiiraa addunyaa dhugaan jirtu osoo hintaane, akka ofii barabaadanitti ijaaruun ibsan jetti. Addunyaa akkanaa keessatti dubartiin oftaatee ibsamti osoo hintaane, alagoomtee/ormoomtee ‘kan biraa’ jedhamuudhaan; inni kun immoo aadaa keessatti bu’ura cimaa akka godhatuuni. Qorattoonni hedduun (Basu & Jong, 2007; Milazzo, 2014; Hoq, 2019) aadaa biyyoota baay’ee—Afrikaafi Eeshiyaa keessatti ijoolleen durbaa haala kanaan ilaalamuudhaan hanga ijoollee dhiiraa maatiif bu’aa akka hinbuusneetti ilaalamu.

Almond, Edlund, and Milligan (2009) qorannoo baqattoota Eeshiyaa Kanaadaa jiranirratti hundaa’uun akka ibsanitti, aadaa biyyoota Eeshiyaa hedduu keessatti dhaloonni ilmaa kan intalaarra leellifama. Intalli takka gosarraa dhalatte keessatti akka kan isaanitti ilaalamti osoo hintaane, akka kan ormaatti. Kanarra kan ka’e, warri tokko yoo intala durbaa argatan/dahan akka yoo ilma argataniitti hingammadani; heerumtee orma taati, qabeenya keenya ormaaf geessiti jedhanii waan yaadaniifi. Almond, Edlund, and Milligan (2009:4) faan muuxannoo biyyoota Eeshiyaa—keessaayyuu, kan yeroo amma duraarratti hundaa’uun akka ibsanitti, namni ilma hinqabne tokko akka sanyiin isaa lafarraa badeetti ilaalama. Afduudhaa biyyoota Eeshiyaa keessatti haalli kun “Raising a daughter is like watering a plant in another man's garden"—durba guddisuun ooyruu dhiira biraa keessatti biqiltuu bishaan obaasuudha, jechuun ibsama (Isuma).

Wanti dhaloonni ilmaa kan intalarra akka leellifamu ta’eef, Almond, Edlund, and Milligan (2009) faan akka ibsanitti, gahee ilmi akka bahuuf duudhaa keessatti isaaf kennameefi seeraa bakka jireenyaati (kan ilmi qa’ee warraatti hafuun yoo warri lubbuun jiran gargaaruufi yoo du’an qa’ee isaanii dhaaluudha). Ilaalcha intalli gosarraa dhalatte dhiiftee deemti jedhuun yoo dhiirri

maatiidhaan kan nu dhaaluun eenyummaa keenyaa itti fufsiisu jedhamuun leellifamu, bakkiifi ilaalchi isheef kennamu kan dhiiraarra akka laaftu ta'e (Allanana, 2013). Ijaarsi bifa kanaa dubartootarratti ta'u kun raaw'ilee guyyaa dhalootaarraa eegalee hanga guyyaa du'aatti ta'aniin itti fufaa deema waan ta'eef, raaw'ilee sirna da'uumsaa, gaa'elaafi boo'ichaarratti raaw'atamanii haalli kun akkamii akka ijaaramu kutaa kana jalatti bal'inaan dhihaateera.

Gooroowwan fokloorii keessaa tokko kan ta'e, sirnoota marsaa jireenyaa—da'umsa, gaa'elaafi boo'ichaarratti raaw'ileen raaw'ataman ijaarsa koornayaa hawaasa keessa jiru mul'isuun akka namoonni ijaarsicha muuxachuun itti madaqan godhu (Schlegel & Barry, 1980; Markstrom and Iborra, 2003 irratti). Sirnoota kanneen keessaa da'umsarratti maatiin akkuma daa'imti dhalattee saalli barameen waan jedhuufi raaw'atuun daa'ima dhiiraafi durbaa haala adda adda ta'een kunuunsuun ijaarsa koornayaa eegala (Carter, 2014; Lorber, 1994). Kunis, kunuunsi taasifamu—karaa jechaafi gochaa, daa'imni dhiiraa kan durbaatii olta'uu faarsuufi leellisuu ofkeessatti kan hammateedha (Lindsey, 2015). Adeemsi ilma intalarra faarsuu akka aadaa saboota tokko tokkootti, dhaloota daa'imaan duras calaqqisuu eegala. Kunis, bifa eebbaa, sirbaafi karaa raaw'ii gochaalee garagaraa bahee mul'ata. Hofman (2010) Bandic (1980) waabeffachuun akka ibsitetti, yeroo fuudhaa heeruma biyya Sarbiyaatti milkiin tolee ilmi akka dhalatuuf, guyyaan cidhaa guyyoota akka aadaa biyyattiitti guyyoota dubartii jedhaman kanneen akka Sanbata, Dilbataafi Roobiirra akka hinoolle ofeeggannoon taasifama. Dabalees, Hofman akka ibsitetti, yeroon ilmoon durbaa maatii ishee bira turtu murtaa'aa ta'uun, biyya kanatti dhalachuun durbaa gammachuu osoo hintaane, aariin ibsama.

Yeroo ammaa haalli dubartoonni dur keessa turan hanga tokko fooyya'ee dubartoonni barachuun wantoota adda addaa—fakkeenyaaf, ijoollee hamma barbaadan dahuufi kkf irratti mirgaafi hirmaannaa qabaachaa jiru (Thompson & Sanabria, 2010). Kun ta'us, ilaalchi hawaasni daa'ima dhiiraa kan durbaarra barbaaduufi dhiibbaansaa inuma jira (Hoq, 2019). Qorannoon biyyoota Eeshiyaa tokko tokkorratti adeemsifame akka mul'isutti, biyyoota Eeshiyaa keessatti dhaloota durbaarra kan ilmaatu leellifama ykn barbaadama (Basu & Jong, 2007; Milazzo, 2014). Akka ibsa Milazzo'tti, ilaalchi kun biyyoota Afrikaa Saaraa gara gadii keessattis bal'inaan mul'ata. Dubartiin takka ilma akka ilaalcha hawaasaatti 'itti fufiinsa sanyii keenyaati mirkaneessa' jedhamu dahuun ishee, hariiroo isheen warra itti heerumte waliin qabdu cimsa. Kun hintaane

taanan hariiroon isheen warra kana waliin qabdu laafuun bakkisheef kennamus xiqqaata; guutuu akka hintaanettis ilaalamti; qabeenya gosatti heerumterrattis aangoo dhabdi (Grosz-Ngaté, 1989; Milazzo, 2014). Kanaaf, haati durbaa hanga ilma argatutti walumarratti dahuun ijoollee baay'ee godhatti (Milazzo, 2014).

Akkuma sirna da'umsaa, sirna gaa'elaarrattis Grosz-Ngaté (1989) akka ibsetti, wantoonni gaa'elarratti jedhamaniifi raaw'ataman—fakkeenyaaf, sirboonni gaa'elarratti sirbaman, durbi heerumaan bakkatti dhalatte dhiistee deemuun ko'eetti akka taate kanneen ibsaniifi dhiirummaa dubartummaarra kan leellisaniidha. Akkasumas, aadaa saboota addunyaa baay'ee keessatti gaa'elli yoo ijaaramu dhiirri gaafatadhaa, dubartiin immoo gaafatamtuudha. Darbees ilmi dhiira tokko intala takka jaalachuusaa erga mirkanaa'ee booda fuudhee gara warrasaa fidata (Waliyie 2004). Waliyie (2004) Sapiro (1994) eeruun akka ibsetti, haalli kun dhiirri booji'aafi dubartiinimmoo booji'amtuu ta'uu agarsiisa. Akkaataan kun dhiirri dubartiirra barbaadamuufi leellifamuun kan ofitti aanfatamu yoo ta'u, dubartiin immoo teenyaa miti jedhamuun akka ormooftu; darbees, ilaalchiifi bakki dubartiif kennamu laafaa akka ta'u kan taasiseedha.

Haaluma kanaan raaw'ileen sirnoota marsaa jireenyaa keessaa sirna boo'ichaarratti mul'atanis isumaa kan kan mirkaneessaniidha. Kunis, raaw'iileen sirnoota boo'ichaatiin walqabatanii raaw'ataman dhiirri dubartiirra bu'a-qabeessa akka ta'e, dhalachuu akka qabu kanneen jajjabeessaniidha (Leone fi warra kaan, 2003). Almond, Edlund, and Milligan (2009) faan akka ibsanitti, biyyoota Eeshiyaatti ilmi du'a warraarratti gochaalee adda addaa raaw'achuun du'a warraatti kaawoo gochuun warri sun ilma qabaachuun bu'a-qabeessa akka ta'e agarsiisa. Du'a warraarratti ilmi intalarra gochaalee adda addaa raaw'achuun du'a warraa bareechu akka danda'utti ijaaramuun ykn gahee akkanaa bahuu akka danda'u ta'uun ilmi intalarra akka leellifamuufi ofitti aanfamuuf gahee guddaa kan taphatuudha. Kunimmoo hawaasa keessatti—fakkeenyaaf, du'umaanuu walqabatee dubartoonni akka miidhamaniifi hacuucamaniif kan ooluudha. Aadaa saboota Afrikaa hedduu keessatti saala nama du'eerratti hundaa'uun wanti dhiiraafi dubartiin raaw'atan, haalli itti gaddan—fakkeenyaaf, abbaan warraa yoo du'e haati warraa baay'ee akka gadditu kan taasifamuufi kkf adda; darbees, loogiis qaba (Moyo, 2014; Nwadiokwu fi warra kaan, 2016).

### 2.5.1. Seera Bakka Jireenyaa

Duudhaa saboota hedduu keessatti gaheen ilmaaf (dhiiraaf) kenname akka intalaa qa'ee warraa dhiisee deemuuu osoo hintaane, dubartii alaa fiduun araddaa warrasaa dhaalee maqaafi qa'ee warraa mul'isuudha (Milazzo, 2014). Kanarraa ka'uun qabanni hawaasni ilma intalarra leellisuuf, seera bakka jireenyaa, bakka namoonni erga warroomanii booda jiraataniirratti hundaa'eeti. Ember fi warra kaan (2022) akka ibsanitti, seerri bakka jireenyaa namoonni erga warroomanii booda jiraatan akka addunyaatti jiru lama. Kunis, inni tokko seera bakka jireenyaa sarara abbaarratti hundaa'e (Patrilocal Residence Rule), kan namoonni erga warroomanii booda warra gurbaa jiraataniidha. Inni lammataa immoo seera bakka jireenyaa sarara haadhaarratti hundaa'e (Matrilocal Residence Rule), kan namoonni erga warroomanii booda warra intalaa jiraataniidha. Akka addunyaatti, seera lamaan keessaa seerri bakka jireenyaa sarara abbaarratti hundaa'e kan sirriitti beekamu, cimina qabuufi bal'inaan (85%) hojiirra oolaa jiruudha (Ember fi warra kaan, 2022; Walker, 2017). Megerssa fi Kassam (2019) akka ibsanitti, seerri bakka jireenyaa Oromoon hordofus seera bakka jireenyaa sarara abbaarratti hundaa'eedha.

Namni hawaasa seeraa bakka jireenyaa kan isaa ta'e hordofu keessatti dhalate/dhalatte fayyadamaa/tuu ta'a/taati (Ember fi warra kaan, 2022). Fayyadamtoota ta'u jechuun—dhiirri hawaasa seera bakka jireenyaa sarara abbaarratti hundaa'e keessatti dhalate dhaloonni isaa intala akkasaa hawaasicharraa dhalaterra jajamuun leellifamaa guddata. Inni maatiifi gosarraa dhalate keessatti nama boru nu ta'u jedhamuun guyyuma dhalateerraa qabee bakki kennamuufiin leellifamaa guddata (Allanana, 2013; Hoq, 2019). Bronheim fi warra kaan (2000) akka ibsanitti, yeruma umrii xiqqaa garaagarummaan jiraachuun—jechoonni jedhamaniifi gochaaleen raaw'ataman ilma intalarra kan faarsan ta'uun, sa'uma kanarraa eegalee loogiin koornayaarratti hundaa'e jiraachuufi boruus haaluma kanaan kan itti fufu ta'uu kan mul'isuufi akka itti fufuufis haala kan mijeessuudha. Haalli kun akka dubarri hindhalannee dhiibbaa gochuurra darbee fayyaa (Xiinsammuu) fi ijaarsa eenyummaa dubartiirratti miidhaa yeroo gabaabaa/dheeraa qabaachuu mala (Hoq, 2019; Milazzo, 2014). Kun kan mul'isu, fokklooriin—duudhaan hawaasaa daa'imman haala umriisaanii guutuu keessatti itti fufu, aadaa garee tokko olqabee kaan gadiqabuufi fayyadutti madaqanii akka guddatan kan godhu ta'uudha (Gilman, 2019).

### 2.5.2. Ijaarsa Koornayaa Sirnoota Marsaa Jireenyaan Taasifamu Keessatti Gahee Gooroowwan Fokloorii Biroo

Ijaarsa koornayaa sirnoota marsaa jireenyaan taasifamurratti gooroowwan fokloorii keessaa afoolli raaw'ii sirnoota marsaa jireenyaan walqabatee dhihaatu gahee guddaa qaba. Gilman (2019) akka ibsetti, sirboonni, seenessoowwan, mammaaksonni, durduriiwwaniifi kkf ilaalcha koornayaa calaqqisiisan, ilaalcha koornayaa madaalawaa hintaane morman ykn deeggaran jiru. Keessaayyuu, kanneen dubartootaan hurruubamaniifi dhiibbaa jiru karaa ifa baasanii dubbachuutiin osoo hintaane, dhoksaan ibsuuf oolaan hedduudha (Greenhill fi wk, 2009). Gilman gooroowwan afoolaa gahee hawaasni dubartiifi dhiiraaf kanatu sirriidha jedhee lafa kaa'e hubachiisuufi fudhachiisuurratti shoora guddaa kan bahu ta'uu akka ittaanu kanaan keesse. Kunis: "Oral tradition often plays a role in spreading ideas about appropriate social roles for males and females within a given community" (Gilman, 2019:5). Yeroo baay'ee afduudhaan hawaasa murtaa'e keessatti gahee hawaasummaa dhiiraafi dubartiif mijaawaa ta'e ilaalchisee yaada babal'isuu keessatti gahee qaba.

Ilaalchi koornayaa dhiiraafi dubartiirratti hawaasaan ijaaramu umrii xiqqaatii hanga guddaatti sochii hawaasni taasisu hundarratti mul'ata (Eckert and Ginet, 2003). Kunis, akkuma gooroo fokloorii afoolaa, gooroo meeshaadaa jalatti kan ramadaman nyaataafi uffataan walqabatee ijaarsi koornayaa raaw'iilee sirnoota marsaa jireenyaarratti bal'inaan mul'ata. Bakka dhiiraafi dubartiin hawaasa keessatti qabanirraa ka'uun akkaataan daa'imni dhiiraafi durbaa itti nyaachifamanii obaafamaniifi hangi nyaataa dhalootaa dhiiraafi dubartiirratti dhihaatu addummaa qaba. Akka Waliyie (2004) namoota akka Ferraro (1995); Harris (1995); Hazarika (2000) eeruun kaa'etti, biyyoota Eeshiyaa kanneen akka Hindii, Baangilaadiishiifi Paakistan keessatti ilaalcha koornayaa ijoolleen dhiiraa kan durbaa caalaa nyaata gahaa akka argatan taasifamutu jira. Haalli kun ykn ijaarsi koornayaa akkanaa kun qaama addunyaa hundarra hammaafi haallisaa gargara ta'uu mala malee, bal'inaan jiraachuu danda'a. Akki kun biyya keenya keessattis jechamoota adda addaatiin 'dubartiin sabbata nyaatti, nama fuunduratti hinyaattu, suuta nyaatti' fi kkf jedhamuun ibsama. Kun kan ibsu dubartiin takka yoo warrashee bira jirtuus ta'ee, erga bultii godhattee booda warra dhiiraaf dursa kennuu akka qabduudha. Mulamba (2013) akka ibsetti, biyyoota Afrikaa hedduu keessatti bakka hanqinni nyaataa jirutti dubartoonni fedhii nyaataasaanii aarsaa godhu.

Akkasumas, uffataan walqabatee, Greenhill fi wk (2009) fi Eckert and Ginet (2003) faan akka ibsanitti, saala daa'imarratti hundaa'ee bifa uffata daa'imaatiin koornayaan ijaaramuu eegala waan ta'eef, daa'ima dhalatte/te takka/tokko jalqabarratti wanti namoonni waa'eeshee/isaa beekuu barbaadan saalasheeti. Maatiin dhalootummarraa qabee uffataan daa'imman koornayaatti leenjisaa akka deemu Carter (2014:244) yoo ibsu: "The socialization process begins at birth; families usually treat newborns differently according to their sex. Indeed, families begin to socialize gender roles even in delivery rooms—boys are dressed in blue while girls are dressed in pink (or other colors that are symbolically attached to gender)" jechuun kaa'a. Kunis kan ibsu, maatiin guyyuma dhalootaarraa qabee halluu dubartoonniifi dhiironni uffachuu qaban murteessuun, ilaalcha koornayaa halluu uffataa sana waliin deemu calaqqisiisuun daa'imman kan leenjisan ta'uusaaniiti. Dubartii ykn dhiira ta'uu daa'imaa ibsuuf, halluu roozii dubartiifi cuquliisa dhiiraaf fayyadamuun meeshaaleefi uffata mana dubartiin deesse jirtu bareechu.

Dabalees Greenhill fi wk (2009) faan akka ibsanitti, namoonni dubartii deesse takka gaafachuuf yoo waa bituu dunkaana deeman gaafiin jalqabaasaan gaafataman saala daa'imaati. Kanarratti hundaa'uun uffanniifi meeshaan daa'ima dhalatteef/teef bitamu murtaa'a. Akkasumas, guyyuma dhalootaarraa eegalee akkuma daa'imatti huccuu halluun saalashee gitu itti uffisaniin akkaatuma duudhaafi aadaatti daa'ima dhalatte/te waa'ee koornayaa karaa alidileetiin barsiisaa, leenjisaa, madaqsaa adeemu (Carter, 2014). Akka ibsa Greenhill fa'atti ilaalchi daa'imni ykn ijoollee durbaatti uffata bifa rooziifi kan dhiiraatti bifa cuquliisaa uffisuu aadaa warra dhihaa keessatti bal'inaan kan mul'atuudha. Haalli aadaa warra dhihaa keessatti calaqqisu kun gama biyya keenyaa; keessaayyuu, karaa namoota baratanii waan cehe fakkaata. Uffata ijoolleen dhiiraafi dubartiin uffataniin, akkasumas, meeshaalee dhimma itti bahamuun walqabatee halluu rooziin mana dubartiin itti dhalatte, cuquliisnimmoo mana dhiiraatti akkuma haala warra dhihaa biratti ibsamu kanaan bal'inaan mul'ata. Yaada warra dhihaa ijoollee dhiiraafi dubartiif kenname kanarraa kan hubatamu, ibsi dubartiif kenname waan miidhagaan kan walqabatu: - innis, kan hawaasa keessatti wanti calaqqisaan kan dubartiiti jedhamuun fudhatamuudha. Uffanni dubartiin umrii ijoollummaarraa kaastee uffattu gahee koornayaa dubartiin takka umriishee keessatti guutaa deemtu: - heerumaaf gahuusheefi kkf qaama biraatiin kan itti madaalamaa deemtuudha.

## 2.6. Ilaalcha Koornayaa Oromoo

Hawaasni saalarratti hundaa'uudhaan dhiiraa ykn dubartiif hiika adda addaa kenna; waan adda addaatiinis fakkeessuudhaan ibsa. Oromoon dhiiraafi dubartii Uumaafi uumamoota adda addaatiin fakkeessuun gahee koornayaa dhiiraafi dubartiin hawaasa keessatti qaban kennaafi. Akka ilaalcha Oromootti abbaafi haati waan ittiin fakkeeffaman qabu. Kelbessa (2001:25) yoo ibsu, Oromoon Waaqa akka abbaatti, haadha immoo akka lafaatti ilaala jedha. Kunis, akkuma inni kaa'etti yoo taa'u:

> They consider the Earth as their mother. They underscore that they suck the breast of the Earth as the baby sucks its mother's breast. All things originate from the Earth and depend on the resources of the Earth for their survival. The Earth is the source of nourishment, survival and life. …Waaqa is like a father. He gives them rain and helps the Earth grow different plants. In fact, the Oromo do not say that the Earth is Waaqa's wife. What is clear is that Waaqa is considered as a male whereas the Earth is considered as a female.

Ilaalchasaa keessatti Oromoon oolmaa lafti dhala namaaf ooltu akka oolmaa haati ilmoosheef ooltutti hubachuun lafa yoo faarsu haadhaan fakkeessa. Lafaaf koornayaa dubartii kennee waan haati ilmoof gootu oolma namni dacheerraa argatuun fakkeessa. Lafti akkuma haati ilmoosheef garaa laaftu, harma hoosiftee guddistu, nyaachistee obaastu, yoo dhallishee kan amala badaallee qabaatu/qabdu ta'e/taate ati hintaatu deemi narraa osoon jedhiniin obsaan hunda dandeessuutti, laftis dandeessuufi madda jireenyaa ta'uun gaheen haadhaa isheef kennamuun ibsamte. Abbaan immoo jechama Oromoo 'Abbaan ofii Waaqa' jedhurraa hubachuun akkuma danda'amutti, Waaqaan fakkeeffame; abbaa qabeenyaas ta'uunsaa akkuma Waaqni rooba roobee akka lafti waa hunda biqilchitu taasisu abbaanis/dhiirri gahee kana fakkaatu kan bahuu danda'u ta'uunsaa ibsame. Asirratti egaa akkuma barreessaan kun ibsetti, Oromoon abbaa Waaqaan, haadhammoo lafaan haa fakkeessuu malee, Waaqaaf Lafti hariiroo abbaafi haadha warraati qabu hinjedhu; Waaqaaf saala dhiiraafi gahee dhiiraa, lafaaf saala dubartiifi gahee dubartii kennuun, Waaqa dhiiran lafammoo dubartiin fakkeessuun ibse.

Dabalataanis, akka ilaalcha Oromootti lafti dubartiin/haadhaan, Waaqnimmoo dhiiraan/abbaan kan fakkeeffaman ta'uu barreessaan biraas, Getahun (2016) akkana jechuun kaa'a: **"**The Oromo

call their land “Dachee Haadha Margoo” … Land is symbolized with mother” (2016:3). Yaada Melkamu kanarra wanti hubatamu, Oromoon dacheen kan oolmaa guddaasaa ooltu ta’uu, kan jiruu jireenyaasaa keessatti murteessituu taate ta’uu ibsuuf haadhaan fakkeessee ‘dachee haadha margoo’—kan waa biqilchuun beekamtu, akkuma haati ilmoo deessse ofitummaa malee guddistu, laftis waa hunda biqilchitee ofduuba qabaa tokko malee kan namaaf gumaachituudha jechuun jaalala guddaa qabu haadhaan walbira qabee karaa argate hundaan hima.

Oromoon dhiiraafi dubartiin adda bahanii kan hinjiraanne ta’uu, akkuma Waaqa (samii) jennee dirqama lafa jennu, dhiiraafi dubartiis, dirqama dhiira jennee dubartii jenna waan ta’eef, qaamota gargar bahuu hindandeenye jechuun fakkeessee ibsa (Nagara, 2017). Dhiiraafi dubartiin gahee akka qacceen addunyaa itti fufuuf isaanirraa eegamu bahuun akka addunyaa ittifuftu ta’a; bakka qaamni tokko hinjirreetti tokko qofti gahee kana bahuu kan hindandeenye ta’uu, dhiiraafi dubartii Waaqa/Samiif Lafaan fakkeessu. Waaqni/Samiin rooba kennee yoo lafti gaheeshee hinbaane itti fufiinsi marsaa jireenyaa nidhaabbata. Dhiiraafi dubartiinis gahee akkanaa bahuun marsaan dhala namaa akka itti fufu ta’a (Mulamba, 2013). Kanumaaf, egaa akka ilaalcha Oromoottis Samiif-lafti kan gargar hinbaane ta’uun “They believe that Waaqa and Lafaa (Earth) are inseparable” (Kelbessa, 2001:25); jechuun, dhiiraa-dubartiinis qaamota walmalee hintolle ta’uu eerame. Akkuma akka duudhaafi aadaa hawaasaatti dhiiraafi dubartiin gahee mataa mataasaanii bahanii jireenya itti fufsiisuun waan hundi akka barameen akka deemu ta’u, dacheefi samiinis marsaa uumamaa keessatti waan isaanirraa eegamu bahuun waliin ta’uun madaala uumamaa eegu; jireenyi tasgabbaa’aan akka jiraatu taasisu. Dubartii jennaan akkuma dhiirri yaada keessa jiru, dachee jennaanis samiin gonkumaa hindhabamu; cimdii ta’anii yaadatamu.

Ilaalcha Oromoo keessatti dhiiraafi dubartiin uumamootaafi wantoota saalmalee biroo waliinis akkatti fakkeeffaman qabu. Wantoota garagaraa uumamaan saala hinqabneef saala kennanii akkasaan hariiroo dhiiraafi dubartii agarsiisan, gahee koornayaa hawaasaan dhiiraafi dubartiif kenname akka bahan godhu (Nagara, 2017). Fakkeenyaaf, wantoonni kunneen gahee koornayaa dhiiraafi dubartiin qaban: akka dhiiraa-dubartii ykn abbaa warraa-haadha warraatti hariiroon gidduusaanitti uumama.

Akka ilaalcha Oromootti wantoota saalmalee garagaraa fudhachuun bakkaafi gahee dhiiraafi dubartiin hawaasa keessatti qaban yoo ittiin agarsiisan mul’ata (Waliyie, 2004; Nagara, 2017).

Wantoonni hariiroo koornayaa dhiiraa-dubartii agarsiisuuf fudhataman kunneen wantoota akka kallattii: bitaa-mirgarratti hundaa’ee qaamni namaa inni gara mirgaa dhiiraan, kan gara bitaan jirummoo dubartiin fakkeeffassu. Kallattiirrattis, kallaattii oliifi gadii keessaa isa olii dhiiraaf, isa gadiimmoo dubartiif kennuun hariiroo koornayaa dhiiraaf dubartii agarsiisu. Kanarratti wanti hubatamuu qabu, kallattiin oliifi harki mirgaa dhiiraan, kallatiin gadiifi harki bitaa dubartiin fakkeeffame (Nagara, 2017). Hariiroo wantoota dhiiraafi dubatiin ittiin fakkeeffaman kana yoo ilaalle wantoonni dhiirri ittiin fakkeeffame kan dubartiin ittiin fakkeeffamterratti olaantummaa qabaatanii mul’atu. Kunimmoo dhuguma hawaasa keessa jiru ilaalcha hawaasni dhiiraafi dubartiirratti qabu ibsa. Kanarra kan hubatamu, dubartiifi dhiirri qaamota walmalee guutuu hintaane, kan ijaarama addunyaa tanaaf murteessoo ta’an osuma jedhamanuu, garuummoo gama biraatiin dubartiin qixa dhiiraatiin kan ilaalamne ta’uudha.

Kanaan walqabatee akka Oromoottis Waliyie (2004) akka jedhutti, dubartiin kan dhiiraan madaaltu hintaanee ibsuuf, wantoota adda addaa hawaasaa keessatti akka gadaantotaatti ilaalama, fakkeenyeef: qaamota namaa keessaa kanneen gara bitaa jiraniin fakkeeffamti jechuun kaa’a. Haata’u maleemmoo, Nagara’n yaadni kun madaala dubartii gadibuusuuf osoo hintaane, harki bitaa harka waraanaafi lolarraa bilisa ta’e waan ta’eef, kanaaf dubartoonni fakkeenya nagaa ta’uu ibsuuf ittiin fakkeeffaman jechuun kaa’a. Nagara’n kana haa jedhu malee, kallattii bitaatiin walqabatee hubannaan hawaasa keessa jiru akka inni jedhu kana (tarii yoo jiraate) nagaa qofa agarsiisuuf miti. Akkuma Waliyie’n kaasu kana kallattii bitaatiin walqabatee hawaasni waan gaariifi cimina ibsu kaasa osoo hintaane faallaa kanaati.

Nagara’n akka Oromootti dubartootaan walqabatee kallattiin bitaafi gadii gaarummaafi bakka sirrii dubartoonni hawaasa keessatti qaban ibsuufiidha jechuun faallaa kanaatiin immoo biyyoonni dhihaa kan kana hinhojjoomsine ta’uu yoo kaasu, biyyoota dhihaa biratti gadaantummaa dubartootaafi olaantummaa dhiirotaa ibsuuf warri dhihaa jechoota adda addaa dhiiraafi dubartiin fakkeessuun walitti xundu jedha. Kanas dubartiifi dhiirri hariiroo faallaa kan qaban ta’uu dubartiin miiroftuu, dunquqooftuu, raafamtuufi kkf; dhiirri immoo sababaawaa, si’ataa, dhaabbataafi kkf jechuun kan ibsan ta’uu eera. Akkasumas, biyyoota dhihaa biratti akka Nagara’n kaa’etti, hariiroon dhiiraafi dubartii kan ijaarame dhiirri bulchaafi ajajaa, dubartiin immoo ajajamtuu ta’uudha. Wanti Oromoo bira jiru akkuma raaw’ilee hawaasa keessatti ta’aniifi

yaada barreessitoota akka Waliyie fa’arraa hubachuun danda’amu, haala Nagara’n kaase kanaan yoo itti caale malee isa warra dhihaarra fooyya’aadha jechuuf kan nama dhibu ta’uu mala.

Inni biraa dhiiraafi dubartii bineensotaafi beelladootaan fakkeessuudha. Bineensonni bosonaa humnaafi cimina qaban jedhamanii yaadaman: fakkeenyaaf, kan akka leencaa, naachaafi kkf faan dhiiraan, kanneen xiqqeenya qabaniifi mala beeku jedhamanii yaadaman kan akka qamaleefi kkf faan dubartiin fakkeeffamu. Gama bineensota manaatiinimmoo dubartoonni gama ilaalcha gadaanaa isaanirra kaa’ameetiin yeroo hunda gahee guddaa qabu, ba’aa guddaa baatu waan ta’aniif, bifa tuffiin guutameetiin beelladoota manaa keessaa yoo harreen fakkeeffaman mul’atu. Haaluma kanaan sirnoota ayyaaneffannaafi kabajaalee adda addaarratti horiin qalmaaf dhihaatu ilaalcha koornayaa hawaasaa kana daraan ibsa.

### 2.7. Sirna Bulchiinsa Dubartii ykn Dhiiraa (Patriarchy and Matriarchy)

Sarara abbaa ykn haadhaa jechuun kan hawaasa keessatti, fakkeenyaaf: maatii keessatti wanti tokko abbaa ykn haadharratti hundaa’ee raaw’atamu, kan haadha ykn abbaa keessaa maatii, biyyaafi kkf bulchuuf, too’achuuf tokko aangoo qabu, kan wanti ta’u tokko ta’uuf murtee namoota lamaanii keessaa kan tokkoorratti daanga’u jechuudha. Akka addunyaatti hayyoonni hedduun akka jedhanitti, kan beekamuufi hojiin mul’atu bulchiinsa ykn sarara abbaati malee kan haadha miti. Kanaaf, mata-dureelee ittaanan keessatti yaadrimeen saraba abbaafi haadhaa maal akka ta’e bal’inaan dhihaateera.

### 2.6.1. Sirna Bulchiinsa Dubartii

Yaada sirna bulchiinsa dubartii jedhu kana jaarraa 19$^{ffaa}$fi 20$^{ffaa}$ hayyoonni bara durii keessa kan dubartoonni aangoofi olaantummaa itti qaban akka ta’e ibsaa turan (Sanday, 2018). Sirni bulchiinsa dubartii bara durii ykn bara qaroominaan dura ture akka ta’e Damuseen (2012) ni ibsa. Akka inni ibsetti: “Dur odoo ummanni hinqaroomin bakka hedduutti hawaasa geggeessaa kan ture dubartoota ta’uu seenaa hedduutu jira” (ff: 202). Damuseen akka ibsetti, sirna bulchiinsa dubartiin kana warri faranjootaa ‘Matriarchy’ jedhanii waamu. Yeroo sirni dubartii turetti dubartoonni biyya bulchaa kan turanis ta’u, dhiibbaa warri dhiira akka paartiitti taasisaniin aangoon harka dubartootaatii bahee harka dhiiraa gale (Damusee, 2012). Kana booda akka Damuseen jedhutti: “dhiirtis aangoon kun akka harkaa hinbaaneef humnaan, mammaaksaan,

qorqalbiidhaan fayyadamee dubartii akka dadhabduufi wallaaltuutti ilaalee aangoo qabannaarraa fagaasse” (ff: 202). Akka yaada Damuseetti, yeroo kanaa eegalee Oromoos dabalatee ummanni addunyaa bulchiinsa dhiiraa/abbaatiin buluu eegalte jechuudha.

Haata’u malee, sirni bulchiinsa haadha bifa seenessootiin dur akkana ture jedhamee ibsamuun ala kana hunda wanti qabatamaan lafarratti mul’atu hinjiru (Sanday, 2018). Akka Sanday’tti wanti (seenessoon) jiru, maaliif dubartii caalaa dhiirri biyya bulchuu akka qabu waan ibsuudha. Kunis: “The only evidence that existed of female rule, they claimed, consisted of male fantasies and stories called “myths of matriarchy,” which functioned to explain why male rule was necessary” (ff: 1). Ibsi yaada kanaa, seenaa dubartiin biyya bulchaa turte jedhuun walqabatee wanti jiru, dhugumaan waan qabatamaa dubartiin ittiin biyya bulchaa turte osoo hintaane, asoosamaafi seenaa dhugaa hintaane, warri dhiiraa ijaaraan—‘Raagamtaa Bulchiinsa Dubartii’ jedhamu, kan maaliif dhiirri biyya bulchuuf filatamaa akka ibsuudha. Haala kana waan Damuseen raagamtaa Oromoo keessa jirurratti hundaa’ee “Sirna Bulchiinsa Dubartii Oromoo” jechuun dhiheesserraa hubachuu dandeenya. Wanti raagamtarratti hundaa’ee dhihaate tokko takkaa dhugaa, takkaa afseenuma ta’uu mala. Kanaaf, sirna bulchiinsa dubartiin walqabatee wanti akka biyya keessaafi alaatti ibsamu dhugaa ykn afseenuma bulchiinsa dhiiraaatiin akka dubartoonni gama bulchiinsaa hindhufne dhoowwuuf ijaaramaa ture ta’uu mala.

### 2.6.2. Sirna Bulchiinsa Dhiiraa

Sirna bulchiinsa/sarara abbaa/dhiiraa jechuun, kan haalli bulmaata maatii ykn hawaasaa dhiiraan/abbaan too’atamuufi bulu jechuudha. Akka Facio (2013) galmee jechootaa “The Royal Academy of the Spanish Language Dictionary” eeruun keessetti, sirni bulchiinsa/sarara abbaa jedhu, caasaa hawaasni duriirraa kaasee ittiin ijaarame ta’ee, kan waan hundaan dhiirri mataa ta’ee maatii itti too’atu; darbees, dhiirri caasuma kana fayyadamee kan wantoota hunda itti too’atu jechuudha. Akka Facio’tti sararri dhiiraa dhaabbata siyaasaa kan dhiiraafi dubartiif aangoo bifa walqixxaataan hinkennamin, kan dubartoonni keessatti dhiibamaniidha. Sirna bulchiinsa dhiiraa/abbaa Oromoo keessattis, dhiirri duudhaafi seera, qindaa’ina keessoofi naamusa maatii eegsisuuf dirqama qaba; warroota akkasaa biroo waliin sirnoota ayyaanaa warraa ykn kanneen biroo raaw’achuun/kabajuun gaheesaati (Megerssa & Kassam, 2019). Sirna bulchiinsa dhiiraa keessatti dhiirri akka mataa manaa ykn maatiitti fudhatamuun dhaabbilee

hawaasummaa, diinagdeefi siyaasaa keessatti dubartootarra akka dhiibbaan gahu carraa kan uumuufi akka maqfaman kan taasisuudha (Allanana, 2013).

Haala kana Allanana yoo ibsitu: “The term has been defined as a system of male authority which oppresses women through its social, political and economic institutions” (ff: 117) jechuun keessi. Kana jechuun, gaaleen sarara dhiiraa jedhu, sirna aangoo dhiiraa kan dubartoonni karaa hawaasummaa, siyaasaafi diinagdee keessatti hacuucaman jedhamee kan ibsamuudha. Haaluma kanaan akka addunyaatti sararri maatiin irra deemu bulchiinsa/sarara abbaa ykn dhiiraati. Namoonni addunyaarra jiranis bifuma kanaan ofqindeessan ta’uu Kasim (2017: 855) yoo ibsu: “In general, people around world organize themselves or arranged in a patriarchal society” jedha. Ibsi yaadichaas akkuma waliigalatti namoonni addunyaarra jiran sarara dhiiraarratti hundaa’uun kan ofqajeelchan ta’uudha.

Egaa kana keessatti kan barbaachisu akka Asiyanbola (2005) irratti ibsametti, sirni sarara abbaa ykn dhiiraa kan ilaalamuu qabu, akka hacuuccaa dhiirri tokko dubartii takkarraan gahuutti osoo hintaane, akka sirna ijaarsa hawaasaa kan dubartoonni keessatti dhiibamaniitti ta’uu qaba. Kanaaf, sararri abbaa kan eegalu maatiirraa ta’ee, kunis kan abbaan waan hunda karaa seeraafi gochaa itti too’achuu danda’u, kan haalumti kunimmoo sadarkaa hawaasaatti haala garagaraatiin hojiirra ooluu akka danda’utti beekamu ykn fudhatamuudha (Facio, 2013). Akka madda kanaatti haalli kun kan ta’u, karaa nagaatiin ta’ee, wantoota akka amantaafi seera ittiin bulmaata hawaasaa fa’a fayyadamuudhaani. Innis, wanti akka kanaa dhiiraaf/abbaaf hayyamama jechuun akka tumaa hawaasaafi seera amantaa fa’aatti ka’uun akka namoonni marti itti amanan gochuudhaani. Waan akka hawaasaatti fudhaatama qaburraa ka’uunimmoo namni dhuunfaan nama dhuunfaa (dhiirri dubartii) hacuucuuf ykn dhiibuuf onnata jechuudha.

Adeemsi bulchiinsa/sarara dhiiraa kan dhiirri dubartootaafi ijoollees dabalatee waan hunda akka qabeenyaa ykn meeshaasaatti itti ilaaluu, kan tajaajila itti argatu; kan waa hunda isaanii itti too’atuudha (Stacey 1993; Kramarae, 1992; Lerner 1986 faa Allanana, 2013 keessatti). Sirna bulchiinsa dhiiraa keessatti dhiirri akka qaama cimina, dandeettii, aangoo, ofitti amanummaafi ogummaa waan hunda (lubbu-qabeeyyiifi dhabeeyyii) bulchuu, hojjechuu isa dandeessisu qabuutti ilaalama (Asiyanbola, 2005). Walumaagalatti, sirna akkanaa keessatti dhiirri kan ilaalamu qaama waan maatiif barbaachisu dhiheessuun, maatii eeguun kan dirqama isaa ta’eedha

(Isuma). Kun ta’us, akka Ngabonziza fi wk (2019) ibsanitti, sirni bulchiinsa dhiiraa haala tokko tokko keessatti akka dhiirri bahaa guddaa baatu gochuun kan dhiiraarratti dhiibbaa qabuudha. Fakkeenyaaf, dhiirri waan maatiif barbaachisu dhiheessuufi darbees, maatiifi wantoota maatiin walqabatan hunda eeguun dirqama isaati. Kunimmoo, akka dhiirri haala ulfaataa keessallee seenuu waan isa taasisuuf, dhiirarratti dhiibbaa uumuu danda’a. Kanaaf, kanaan walqabatee dhimmi kunis ilaalamuu qaba.

## 2.8. Yaaxxinaalee Qorannichaa

Qorannoo kanaaf yaaxxinni ijoon hojiirra oole Yaaxxina Ijaarsa Hawaasaati. Qorannoo kana keessatti shoora sirnoonni marsaa jireenyaa Oromoo Arsii koornayaa ijaaruurratti qaban qorachuuf, Yaaxxinni Ijaarsa Hawaasaa akka yaaxxina ijootti fudhatamuun yaaxxinni Ibsa Fakkoommiifi dhiheenyonni Dhiheenya Maqsaa Hawaasaafi Dhiheennya Xiinxala Gadifagoo Waallee jedhaman hojiirra oolani. Wanti Yaaxxinni Ijaarsa Hawaasaa akka yaaxxina ijootti fudhatameef, yaaxxinni kun beekumsiifi waa hundi hawaasaa muuxannoofi hariiroo haawasni waliin qaburraa ijaarama kan jedhu waan ta’eef, kana keessatti immoo dhimmoonni fakkoommiin walqabatan waan jiraniif yaaxxinni ibsa fakkoommii filatame. Dabalees, waan gochaan mul’atu qofa osoo hintaane, wantoonni afaaniin jedhamanis ijaarsa hawaasaa keessatti shoora guddaa taphatu waan ta’eef, dhiheennyi xiinxala gadifagoo waallees qorannoo kana keessatti hojiirra oole. Ijaarsi hawaasaa bifa waan qabatamuufi dubbatamuutiin jiru kunimmoo dhimmoota adda addaa—fakkeenyaaf, koornayaa, sabummaafi kkf irratti hundaa’ee garee hunda ija tokkoon kan hinilaalle ta’uu waan maluuf ykn maqsuu waan danda’uuf, dhiheenyi maqsaa hawaasaa kan maqsaa sababa garagaraatiin hawaasa keessatti uumamu qoratu qorannicha keessatti dhimma akka baasu ta’e. Kanaaf, qorannoo kana keessatti yaaxxinni ijaarsa hawaasaa akka yaaxxina ijootti fudhatamuun yaaxxinni ibsa fakkoommiifi dhiheenyoonni maqsaa hawaasaafi xiinxala gadifagoo waallee dhimma baasani. Ittaansuun yaadrimeewwan kunneen maal akka ta’an bal’inaan ibsamaniiru.

### 2.8.1. Yaaxxina Ijaarsa Hawaasaa

Yaaxxinni ijaarsa hawaasaa yaaxxina beekamaa xiinhawaasummaa 1970’oota keessa bal’inaan beekamtii argateedha. Namni jalqaba waa’ee ijaarsa hawaasaarratti waa jedhe nama lammii Ameerikaa Mead jedhamu bara 1934 kitaaba mata-dureensaa ‘MIND, SELF, and SOCIETY’

jedhu barreesseedha. Mead yaadrimee “symbolic interactionism” jedhu kan namoonni walqunnamtii guyyuu keessatti eenyummaa ofii isaaniifi kan namoota biroo ijaaraa deemu jedhurratti hundaa’e. Ittaansee immoo bara 1966 namoota Berger and Luckman jedhamantu kitaaba mata-dureensaa ‘The Social Construction of Reality’ jedhamu barreessuun waa’ee yaaxxina kanaa bal’inaan bu’ureesse.

Akka jara kanaatti, ijoon Dhugaa Ijaarsa Hawaasaa (The Social Construction of Reality) ijjannoo dhalli namaa hariiroo galumsa hawaasummaa waliin qaburratti hundaa’ee beekumsa addunyaa ijaara jedhu qaba. Kana jechuun, dhugeeffannaan falaasama ijaarsaa dhugaan hawaasaan ijaarama kan jedhuudha jechuudha (Searle, 1995). Beekumsi ilaalcha hawaasaa waliigalaarratti hundaa’uun ijaaramu immoo akka haqaatti fudhatama. Haala yaadrimeen haqaa itti ijaaramu Berger and Luckmann (1966:78) iddoo sadiitti hiruun ibsu. Kunis, kan namni tokko yaada sammuu qabu dubbiinis haa ta’u barruun baasu (externalization), yaadni bahe kun kan irra deebi’ee himamuun dhugaa ta’ee dhaloota ittaanuun hubatamaa deemu (objectification) fi kan dhaloonni haaraan addunyaa yaada akka dhugaatti (safuu, duudhaa) fudhatame kana keessatti dhalachuun yaadicha fudhatan (internalization) kan jedhuudha. Ijoon Berger and Luckmann mata-dureelee sadan jalatti qindeessuun dhiheessan kun dhugaan tokko ijaaramuuf—fakkeenyaaf, waa’een koornayaa, jalqaba yaadni nama keessa jiru dubbiin ykn barruun baha. Ittaansee immoo yaadni bahe namootaan fudhatamuun akka dhugaatti ijaarama. Waan akka dhugaatti ijaaramuun dhihaate dhaloonni haaraan keessatti dhalate fudhachuun hojiitti hiika.

Akka leellistoota yaaxxina kanaatti, nuti dhugaa/soba, sirrummaa/doggogoraa, gaarii/badaafi kkf hunda-galeessa (universal) ta’an seenaa ykn waa’eesaanii dhageenye malee hinbeeknu. Beekumsi ykn ijoowwan akkanaa kunneen akka ilaalcha yaaxxina kanaatti, gochaafi hariiroo hawaasaatiin yeroofi bakka ta’e tokkotti uumamanii akkuma kana itti fufaa deemuun yoo hawaasni jijjiirame ykn hawaasni jijjiiramaaf saaxilame immoo jijiiramuun fooyya’u. Akka Berger and Luckman’tti dhugaan qabatamaa ta’e kan aadaa naannoo jiru ykn naannoo hawaasummaatti gadi dhiifamu hinjiru. Wanti jiru addunyaan sochii hawaasummaa namoonni taasisanirratti hundaa’uun ijaaramti kan jedhuudha. Kanaaf, haalli namoonni amma keessa socho’an ykn itti jiraatan haala tana dura yeroo wayii ijaarameefi tumamee jijjiiramoota garagaraa keessumeessaa asgahe ta’uu mala (Burr, 2015).

Akka amantaa warra ijaarsa hawaasaatti, dhimmoonni waliigalaan hawaasa keessatti akka waan uumamatti ykn sirriitti fudhataman kanneen akka koornayaa, sanyummaafi kkf faan wantoota hawaasaan ijaaramaniifi haqummaan isaanii qabatamaan lafarra hinjirreedha. Lorber (1994) akka ibsitetti, namoonni baay'een koornayaan dhimma hariiroofi jiruu hawaasaa keessaa irra deddeebiifi itti fufiinsaan ijaaramu ta'uu amanuuf ni rakkatu. Kanaaf, koornayaa akka dhimma uumamaan namootaaf kennameetti fudhatu. Sababnisaas, akkaataan hawaasa keessatti koornayaan itti hubatamuufi baratamu akka dhimma uumamaan hawaasaaf kennameetti waan ta'eefi. Kanarra ka'uun koornayaa qaama uumamaan namaaf kennamu saalaa waliin akka tokkooti ilaalama. Ta'us, koornayaan dhimma aadaafi duudhaa hawaasaa keessatti bifa jiruufi jireenya hawaasaa kamirrattuu mul'achuu danda'uun ijaaramu ta'ee, kan jireenyi sun deebi'ee itti hoogganamuudha. Kanaaf, koornayaan kan qoratamuu qabu akka dhimma ijaarsa hawaasaatti malee akka dhimma uumamaan dhala namaaf kenname tokkootti miti.

Lorber (1994) West and Zimmerman (1987) eeruun akka ibsitetti, namni kamuu sochii hawaasummaa guyyuu keessatti osoo itti hinyaadin koornayaa ijaaraa oola. Barreessituun tun nama tokko waan uffatamu ykn waan biraarratti hundoofnee yoo koornayaatti ramaduu baanne nutti hintolu jechuun keessi. Kanaaf, hawaasni nama tokko gaafuma inni ykn isheen dhalatu/turraa qabanii akkuma saala baraniin maqaan, uffataaniifi wantoota biroo koornayaa mul'isaniin koornayaa ijaaruu eegalu. Erga maatiin koornayaa daa'ima haala kanaan ibsanii hawaasnis haaluma kanaan daa'ima dhiira haala koornayaa dhiiraa gituun, dubartii immoo haala koornayaa dubartii gituun kunuunsuun daa'imnis haala kana fudhachuun cimsachaa deemti. Haalli kunimmoo akka Berger (1972) ibsetti, dhalootarratti daa'imatti uffatta bifa garagaraa uffisuufi wantoota tokko tokko raaw'achuun olitti deema. Fakkeenyaaf, wanti nama tokkorraa akka dhiiraa/dubartiitti eegamu; keessaayyuu, wanti dubartiirraa eegamu xiyyeeffannoo argata.

Berger akka jedhutti, dubartoonni hawaasa keessatti waan ta'uu qabaniifi gochuu qaban haala ta'uu qabuun raaw'atanii ulaagaa hawaasni dubartiirraa eegu guutanii argamuu qabu. Sababnisaas, wanti dubartiin takka hawaasa keessatti raaw'atu namootaan, keessaayyuu, dhiiraan madaalamuun jireenya ishee boruuf murteessaa waan ta'eefi. Kana jechuun, dubartii dhiira caala gochishee ni xiyyeeffatama. Kanaaf, isheenis akkaatuma duudhaa keessatti ijaarameen namni na ilaalu maal naan jedha? Ulaagaa jedhu guutuuf ofeeggannoon sochooti. Haala kana Foucault

(1998) nama mana hidhaa keessa jiruun fakkeessuun ibsa. Kunis akka inni ibsutti, namni mana hidhaa jiru akka inni hinbaane waardiyaa waan isa eeguuf, osuma waardiyaanillee balbalarra jiraachuu baate, yaada waardiyaan jira jedhurraa ka'uun mana hidhaatii bahuuf hinyaalu.

Akkuma kana dubartiin takka akkaataa irraa eegamuun ykn namoonni barbaadaniin kan sochootu qaamni biraa dirqamaan ishee hoogganee osoo hintaane, ijaarsa duudhaa keessatti guddatte keessa jirurraa ka'uun namni ishee argees arguu baatees haaluma socho'uu qabduun sochooti. Dubartiin dhiibbaa aadaafi duudhaarraa ka'uun ofuma ishee akka meeshaatti oftottolchuun qaama biraatiif ofqopheessiti. Hawaasa keessatti dubartiin akka meeshaa qaama biraa (dhiira) tajaajiluuf uumamteetti akka ofilaaltu, darbees ofijaartu taasifamti (Butler, 1990). Haala kana Beauvoir (1953: 267) "One is not born, but rather becomes, a woman" jechuun keesse. Ibsisaas, dubartiin dubartii taatee dhalatti osoo hintaane, ni ijaaramti kan jedhuudha. Beauvoir akka ibsetti, dubartoonni waan uumamaan ta'anii argaman osoo hintaane, haala warra dhiiraatiin 'kan biraa' "Other" jedhamanii ibsamaniin ijaaramu.

Haalli dubartiin waan uumamaan ta'uu qabdu dhiistee ilaalcha alaa namoonni isheef qaban guutuuf gootu akka dubartiin waan ittiin malu hinjiraanne taasisa. Fakkeenyaaf, maatiin ilmoo dhiiraafi durbaa qabu tokko, waan ilmi dhiiraa raaw'atuuf xiyyeeffannaa hinkennani. Garuu, waan isheen durbaa raaw'atu xiyyeeffachuun akka isheen daangaa duudhaan hayyamuuf keessa taatee guddatu taasisu. Waan inni dhiiraa dalaguuf hangana xiyyeeffannaa hinkennani; inni akka fedhetti sochoo'uuf ishee caalaa bilisummaa qaba. Wanti ishee durbaaf daangaa dhiphisanii isaaf bal'isaniif, isheen gaafa heerumaan ganda dhaqxu amalaafi naamusa qabaachuu qabdu dhabdee maqaan nubada yaada jedhurraayi. Adeemsi akkanaa kunimmoo adeemsa ilaalcha maqsaarratti hundaa'e kan dhiira olqabee dubartii gadiqabuudha. Akkasumas, hojiin namoonni fakkeenyaaf, abbaafi haati akka olaanaafi gadaanaatti hojjetan dhiiraafi dubartiin muuxannoo jireenya, miiraafi ogummaa addaa akka qabaatan taasisa. Lorber akka ibsitetti, koornayaan dhaabbata; dhaabbata namoota gaheesaan hawaasa keessatti bahanirratti hundaa'uun ijaaree sadarkaa olaanaafi gadaanaatti adda qoqqooduudha. Haaluma kanaan, Yaaxxinni Ijaarsa Hawaasaa koornayaa akka ijaarsa hawaasaatti waan ilaaluuf, qorannoo kanaaf filatame.

### 2.8.2. Yaaxxina Ibsa Fakkoommii

Akka qorannoo kanaatti fakkoommii kan jedhame meeshaan tokko galumsa aadaa keessatti akkamiin akka hiikamu, ibsamu, maaliin akka fakkeeffamu irratti hundaa'eeti. Kunis, aadaa keessatti meeshaan tokko, wanti raaw'atamu tokko, wanti jedhamu tokko fakkoommii akkamii akka qabu bu'ureeffachuudhaani. Foster (2002) meeshaa fakkeeffamuun "symbol", fakkoommiin "symbolism" jedhaani. Foster jecha symbol jedhu mallattoo/wanta qabatamaa bakkaafi yeroo keessatti mul'atu ta'uu ibsa. Jechi mallattoo jedhu kan meeshaadaa/mallattoo ijaan ilaalamu, harkaan tuqamu ta'ee, fakkoommii aadaa keessatti ergaa waan tokkoo bakka bu'u qaba. Akka Foster'tti aadaa keessatti fakkoommiin iddoo guddaa qaba. Foster "Without symbol there could be no culture" (2002:366)—mallattoo/fakkoommii malee aadaan jira jechuun hindanda'amu jedha. Foster mallattootu aadaa ta'a osoo hintaane, hiikaafi ergaa mallattooleen kunneen hawaasa keessatti qabantu aadaa hawaasaa agarsiisa jedha. Turner (1961) yaada kana fakkaatu kaase. Turner mallattoon meeshaa bocni isaa mul'atu qofa osoo hintaane, kan hiikni bal'aan hawaasaa keessa jiru ta'uu ibsa. Fakkoommiin meeshaa qabatamaa ijaan argamuufi ergaa dhokataa meeshicha duuba jirus hammata jechuudha. Kanaaf, aadaa tokko keessatti fakkoommii wantoonni qaban qorachuun murteessaadha. Akka Hoskins (2015) mallattoolee aadaa keessatti murteessitoota ta'an kanneen qorachuun karaa xaxamaa namoonni ittiin waliigalan, jiraataniifi waan hundasaanii dhaloota ittaanuutti dabarsan qorachuudha.

Turner mallattoon jijjiiramaadha; yeroo tokkotti ergaa heddu qabaachuu/dabarsuu akka danda'u ibsa. Fakkoommiin wanti tokko qabu aadaa aadaatti sochii hawaasni aadaasaarratti hundaa'uun godhurraa ka'uun addaa addummaa qaba (Sigdel, 2018). Kana jechuun hiikni wanti tokko qabu sochii hawaasni aadaasaa keessatti taasisurratti hundaa'a; mallattoon tokko hiika garagaraa qabaachuu danda'a. Haala kana Geertz (1973) aadaan hawaasa tokkoo akka hiika mataasaatti hojjeta waan ta'eef, karaa adda ta'een sochii hawaasni taasisurratti hundaa'ee qoratamuu akka qabu eere. Kanumaan fakkoommiin aadaan tokko galumsa isaa keessatti akkamiin akka hojjetu, mallattooleen akkamiin akka hiikamaniifi kkf fi akkasumas, walitti hidhata aadaa, afaaniifi hawaasaas qorata (Sigdel, 2018). Sigdel aadaa hawaasa tokkoo keessa mallattoolee hedduun jiraachuu akka danda'an ibsuun, mallattooleen kunneen haala garagaraatiin mul'achuu danda'u jedha. Akka inni kaa'etti:

> Symbols exist in diverse forms: Symbols as means of Communication of language, as a form of Ritual Expression, as a form of Cultural Interpretation, as a form of the Expression of Art and belief, as a form of Psychological Expression and as a form of analysis of attributes (Sigdel, 2018:117).

Yaadni kunis kan ibsu fakkoommiin hawaasa keessatti akka waliigaltee afaaniitti, bifa sirnaatiin, bifa ibsa aadaatiin, bifa ibsa aartiifi amantaatiin, akka ibsa xiinsammuufi akka ibsa amalaatti mul’achuu danda’a kan jedhuudha. Haalatti fakkoommiin hawaasa keesssatti mul’achuu danda’u keessaa tokko akka Sigdel eeretti bifa sirnaatiin mul’achuudha. Kanaan walqabatee Kyalo (2013) Sirni mataasaa fakkoommiidha; fakkoommii sonni hawaasni aadaa isaa keessatti qabu ba’ee ittiin mul’atuuti. Qorannoon kanaanis kan ilaalame sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsiiti. Kanumaan qorannoo kanaanis sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsii qorachuu keessatti fakkoommiin jiru kan akkamii akka ta’e; keessaayyuu, raaw’ii sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsii keessatti fakkoommiin gama waan jedhamuun jiru, gama waan raaw’atamuun jiruufi gama meeshaadaalee qabatamaan mul’atanii jiru maal akka ta’e Yaaxxina Ibsa Fakkoommii irratti hundaa’uun hiikame.

### 2.8.3. Dhiheenya Maqsaa Hawaasaa (Social Exclusion)

Dhiheenya qorannoo kana keessatti ijaarsi koornayaa sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsii ittiin ilaalame keessaa tokko Dhiheenya Maqsaa Hawaasaati. Yaadrimeen Maqsaa Hawaasaa (Social Exclusion) jedhu, kan xiyyeeffannoonsaa namoota sababa adda addaatiin maqsaan hawaasaa irra gahe ta’e, maddisaa Awurooppaa; keessaayyuu, Faraansaayi. Biyya Faraansaayitti jalqaba namni Lenoir (1974) jedhamu namoota ‘qaamaan, sammuufi hawaasummaan miidhamanii diinagdeedhaanis duubatti harkifamaniif haala mijeessuun hariiroo hawaasaa cimsuuf karoorse (Mascareño & Carvajal, 2015). Jechuun, yaadrimeen kun imaammata namoota dhimmoota hawaasaa/aadaa, siyaasaafi kkf keessaa dhiibamanii jireenya gadaanaa keessa galuun cinaatti maqfaman gargaaruurratti xiyyeeffachuun bu’uraawe. Yaadrimeen kun bara 1970’oota keessa haala kanaan eegaluun, boodarra namoonni hedduun kallattiifi dhimmoota adda addaarratti hundaa’uun irratti xiyyeeffachuun itti fufe. Maqsa Hawaasaa jechuun akka Khan (2012) ‘Department of International Development (DFID)’ eeruun ibsetti, adeemsa karaa sirnaawaa ta’een gareeleen wayii koornayaa, sanyii, saba, amantaa, diinagdee, umrii, hanqina,

dhibeefi kkf irratti hundaa'uun dhiibamanii faayidaa isaaniin malu dhabanii gama hawaasummaatiin maqsaan isaanirra gahu jechuudha.

Khan yerootti barreessitoonni baay'een yaadrimee kana waa'ee hiyyummaafi dhimmoota isaan walqabatan qofarratti hundaa'uun ibsaa turanitti, yaadrimichaarratti mormiiwwan adda addaa ka'uun akkasumas, ibsisaa hunda waliigalchus dhabamee ture jedha. Kanaaf, maqsaan hawaasaa kan ilaalamuu qabu akka dhimma kallattii tokkootti osoo hintaane, akka dhimma kallatdanee (multidimensional), jijjiiramaa (dynamic) fi hariiroo (relational) hawaasaarratti hundaa'uutti (Room, 1999; Kha, 2001; Atkinson, 1998). Maqsaa hawaasaa dhimma kallatdaneeti jechuun, akka ijoo tokkotti kan ilaalamu osoo hintaane, maqsaa nama/garee tokkorra sababa koornayaa, sanyiifi kkf gahu; wantoota maqsaa gaherratti hundaa'uun kallattii garagaraan dhufan (miidhaa garee maqsamerra gahu), maalirraa akka maqsamaniifi kkf fa'arratti hundaa'uun ilaalama waan ta'eef, yaadrimichi kallatdaneedha (Saraceno, 2001; Silver, 2007; Madanipour, 2018). Kana jechuun, dhimmoonni hawaasaa, siyaasaa, aadaafi diinagdee kan maqsaa hawaasaa keessatti hammataniifi sadarkaalee adda addaatti yaadrimichaan xiyyeeffatamaniidha. Kanaaf, yaadrimeen maqsaa hawaasaa dhimma qorattoonni waa'ee diinagdee qofni ilaalan ta'urraa darbee dhimma qorattoonni saayinsii hawaasaa baay'ee leellisan ta'e (Kha, 2001).

Maqsaan hawaasaa dhimma yeroo tokkoo osoo hintaane, jijjiiramaadha (Saraceno, 2001; Room, 1999; Atkinson, 1998); jechuun immoo yeroo adda addaatti hariiroo hawaasaa walqixxaataa hintaane, garee olaanaafi gadaanaarratti hundaa'u, kan gareen tokko dhiibamu, kan cabiinsa hariiroo gaarii sadarkaa dhuunfaafi gareetti raaw'atuudha (Silver, 2007). Rakkoo dhimmoota akka koornayaa, sanyiifi kkf bu'ura godhachuun walitti dhufeenya garee lamaan gidduu jiru ilaaluu qofa osoo hintaane, dhiibbaa rakkoon kun gahee garee miidhamaan kallattii garagaraan hawaasa keessatti qaburratti qabaatus ni ilaala (Isuma). Fakkeenyaaf, haalli kun hirmaannaafi gahee namni ykn gareen hawaasaa tokko dhimmootaafi dhaabbilee hawaasaa keessatti qabu ni miidha. Garee miidhamaa eegumsa hawaasaa, walqixummaafi aangoo akka hinqabaanne taasisa. Gareen aangoo olaanaa qabu ykn akka olaanaatti ofilaaluufi ilaalamu garee wayii saalaa ykn eenyummaafi kkf bu'ura godhachuun miidhaarraan geessisa (Saraceno, 2001). Haalli kunimmoo dhaabbataa miti; sadarkaa ykn haala gareen maqfame kun amma irra jiruufi ofdura irra gahurrattis hundaa'a (Room, 1999).

Saraceno'n, Townsend (1979) waabeffachuun akka ibsetti, maqsaan hawaasaa qabeenyatti fayyadamuu dadhabuu qofa osoo hintaane, hanqina hawaasa ofii keessatti guutummaan hariiroofi hirmaachuu dhabuus ni hammata. Akka Saraceno'tti maqsaan hawaasaa hariiroo hawaasaarratti hundaa'uun, akka inni dhimmoota hawaasa keessatti gareen tokko olqabamee kan biraa immoo gadi qabamuuf sababa ta'an mul'isu isa taasisa. Maqsaa hawaasaa keessatti, garee lama kan hariiroon walqixaataa ta'e gidduu isaanii hinjirre—garee maqsaan hawaasaarratti raaw'atuufi garee maqsaa hawaasaa raaw'atutu jira. Garee adeemsa wayiitiin waa raaw'atuufi garee waarratti raaw'atamu jechuudha. Akka Khan jedhutti, ijoon akkanaa kun yaadrimee maqsaa hawaasaa keessatti 'dhiheenya raaw'ataa bu'ureeffatu', kan eenyutu hariiroo eenyu waliin qaburratti hundaa'ee waa raaw'ate (garee aangoo qabuufi hinqabne) jedhurratti hundaa'uun ilaalama. Namni ykn gareen hawaasaa tokko saalaa, koornayaa ykn sanyii (Kha, 2012), akka qorannoo kanaatti immoo sababa koornayaatiin hawaasa keessatti faayidaafi carraawwan adda addaarraa maqfama; hirmaannaafi gahee akka hinqabaanne taasifama. Akkuma Room (1999); Atkinson (1998) faan maqsaan hawaasaa hariiroo namni ykn gareen wayii galumsa hawaasaa adda addaa waliin qaburratti hundaa'ee ilaalamuu qaba jedhan. Qorannoo kanaanis dhiiraafi dubartiin hariiroo hawaasa keessatti qabanirratti maqsaan akkamii akka isaan muudatu duudhaa hawaasaa Oromoo Arsii keessatti dhiheenya kanarratti hundaa'uun xiinxalame.

Akka aadaatti sonaaleen, duudhaaleefi wantoonni ta'uu qaban akkatti fudhatamaniifi kabajaman qabu (Kha, 2012). Wantoota akka aadaa hawaasaatti kabajamaniifi fudhatama qaban kanneenirratti hundaa'ee immoo gareen namootaa (dhiiraafi dubartiin) gaheefi hirmaannaa akka hinqabannee gama aadaatiin dhimmi kun kan dhiiraati, kunimmoo kan dubartiiti jedhamuun carraa dhabu. Sirni aadaawaan garee hawaasaa tokko haala wayii keessatti, yeroo ta'e tokko koornayaa, sabummaafi kkf irratti hundaa'uun ni maqsa (Madanipour, 2015). Ni maqsa jechuun, akka namni ykn gareen kun akka miseensa garee sanaatti ija walqaxxaataan hinilaalmne taasisa. Maqsaa gama aadaatiin jiru Madanipour (2015: 189) yoo ibsu: "The main form of exclusion in the cultural arena, therefore, becomes a marginalization from these symbols, meanings, rituals and discourses" jechuun kaa'a. Ibsi waraabbii kanaa, maqsaan aadaa bu'ureeffate, kan miseensonni garee tokko ittifayyadama aadaan walqabatee mallattoolee, hiikaaleefi sirnoota aadaa hawaasa tokkoo keessatti bakki guddaan kennamuuf adda addaarraa maqfamuun aadaa

hawaasaa keessatti gaheefi hirmaannaa dhaban jechuudha. Aadaa hawaasaa keessatti yoo namoonni gaheesaanii bahuu baatan; akkasumas, mirgiifi kabajni isaanii karaa qixa ta'een eegamuufii baate hirmaannaan ni daanga'a (Rawal, 2008).

Maqsaan hawaasaa ijaarsa hawaasaati (Khan, 2012). Kanaaf, hawaasa—keessayyuu, biyyoota guddachaa jiran biratti akka yaada badaatti kan ilaalamu ta'uu dhiisuu mala. Namni ykn gareen koornayaa ykn waan biraarratti hundaa'uun maqsamu, dhiibbaan sababa maqsaa nama ykn garee kanarra gahu qooduma isaa/isheeti, waanuma isheen/isaan malu jedhamuun aadaafi duudhaa hawaasaa keessatti akka sirriitti fudhatama. Maatiin ijoollee durbaafi dhiiraa guddisuurratti ijoolleen dhiiraa durba caalaa waan barbaadan haala barbaadaniin: loluun miiraa ibsachuu akka danda'an godhanii faa guddisu. Warra dubartii immoo miira aariillee yoo qabatan miiraa isaanii mul'isanii loluu akka hindandeenye, miiraasaanii karaa dhoksaan akka ibsatanitti leenjisu (Underwood fi wk, 2004). Garuummoo, Underwood fi wk (Crick & Zahn-Waxler, 2003) eeruun akka ibsanitti, ijoolleen dhiiraafi dubartii uumamaan miiraa adda addaa qabaatanii miti; aadumaafi duudhaa keessatti dubartiin miiraashee mul'isuu akka hinqabaannee irratti waliigalamee akka sirriitti fudhatame malee. Maqsaan bifa kanaan ta'u kun akkuma jedhame, akka aadaafi duudhaa hawaasaatti sirriidha jedhamee akka kennaa Waaqaatti mirkana argata; hinbu'ani; ija safuutiin ilaalama.

Dhiirri ilaalcha olaantummaa hawaasa keessatti qabuun miiraasaa karaa ifa ta'een ibsachuu akka danda'uuf mirga qabaate; dubartiin immoo ilaalcha gadaanaa hawaasa keessatti qabduun miiraa ishee karaa ifa hintaaneen akka ibsatuuf, mirga miiraashee karaa ifaan ibsachuurraa maqsamte (Underwood fi wk, 2004; Leaper, 2000b waabeffachuun). Haalli kun yeruma ijoolleen umrii xiqqaarra jiranii eegalee ijoolleen dhiiraas, kan dubaraas haala kanaan eenyummaa isaanii ijaarrachaa akka deeman ta'u. Deluca & Evans (2001) faan akka ibsanitti, yeruma umrii xiqqaa garaagarummaan akkanaa jiraachuun sa'uma kanarraa eegalee maqsaan hawaasaa jiraachuufi boruus haaluma kanaan kan itti fufu ta'uu kan mul'isuufi akka itti fufuufis haala kan mijeessuudha. Deluca & Evans faan wanti maatiin ykn hawaasni daa'imarratti guyyuma dhalootaarraa kaasanii saalaa bu'ura godhachuun raaw'atan gaarummaa ykn baduma qabaachuu yoo ibsan: "From birth on wards the child is subjected to both the positive and negative aspects of the services directed towards him or her" (ff: 7) jedhu. Ibsi yaadichaas, daa'imni takka/tokko

tajaajila gaariifi badaa guyyuma dhalootaarraa qabee isheef/isaaf kennamuuf saaxilamti/ma. Adeemsi akkanaa immoo wantoota namni tokko umrii isaa/shee guutuu hojjetu/tturratti gama ijaarsa qaamanis ta'ee xiinsammuutiin dhiibbaa qabaata (Wesselmann fi wk, 2016).

Koornayaan walqabatee aadaa keessa loogiin jiraachuun, maqsaan hawaasaa ijjannoofi dandeettii boru jireenyaa haalaan itti gaggeeffatan (capability) ijaarrachuurratti dhiibbaan ykn dhoorkaan jiraachuu agarsiisa (Deluca & Evans, 2000). Umrii ijoollummaarratti nama tokkoof (dhiiraafi dubartiif) daangaan gama koornayaa jiraachuun, jireenya ofduraa keessattis dandeettiifi ogummaan jireenya ittiin gaggeessan akka hanqina qabaatu, hirmaannaan namoonni hawaasa keessatti qaban (keessaayyuu, kan dubartoota) akka daanga'u taasisa. Kunimmoo kallattii biraatti nama fida. Innis, yerootti namoonni waan ykn ogummaafi dandeettii sababa maqsaa hawaasaatiin dhaban kana deebi'anii ittiin komatamantu jira. Yaada kana Schaefer & Lamm (1995:227) gaalee Ryan's (1976) "blaming the victim" jedhurratti hundaa'uun haalatti aanu kanaan kaa'u: "… some people essentially justify inequality by finding defects in the victims rather than examining the social and economic factors that contribute to their faults". Yaadni kun kan ibsu, namoonni tokko tokko rakkoo walqixxummaa dhabuu, kan silaa ka'umsa rakkichaa gama hawaasaafi diinagdeetiin wantoota sababa ta'an barbaaduu qaban, garuu isaan garee miidhamtoota ta'anirraa hanqina barbaaduun garichuma deebisanii komatan ta'uudha. Duudhaa Oromoo Arsii keessattis koornayaarratti hundaa'uun wanti jiru kan kanumaan walmaadaluudha.

Akka qorannoo kanaatti yaada, Townsend (1979) Saraceno (2001) keessatti ibsame, kan maqsaan hawaasaa qabeenya dhabuu ykn qabeenyatti fayyadamuu dadhabuu qofa osoo hintaane, hanqina hawaasa ofii keessatti guutummaan hariiroofi hirmaachuu dhabuus ni hammata jedhurratti waliigalame. Kunis, haalatti ilaalcha koornayaa sirrii hintaane bu'ura godhachuun dubartiifi dhiirri aadaa keessatti karaa walqixxaataa ta'een hirmaachuufi gahee qabaachuu dadhabantu ittiin ilaalame. Kanaaf, qorannoon kanaan akka duudhaa Oromoo Arsiitti, dhiiraafi dubartiin dhimmootaafi sirnoota hawaasaa adda addaa keessatti gaheefi hirmaannaa isaan qaban dhiheenya maqsaa hawaasaarratti hundaa'uun ilaalama.

### 2.8.4. Dhiheenya Xiinxala Gadifagoo Duudhaa: Sirnoota Marsaa Jireenyaa

Dhiheenyi qorannoo kana keessatti dhimma itti bahame inni biraa, dhiheenya addunyaa ammaa (postmodern) kan ta'eefi ijaarsa loogawaa hawaasa keessa jiru xiyyeeffatu Dhiheenya Xiinxala Gadifagooti. Qorannoon gooroo fokloorii tokko, akka qorannoo kanaatti sirnoota marsaa jieenyaa, kan adeemsifamuu qabu, gooricha akka beekumsa hawaasni muuxannoorraa oomishee qofatti osoo hintaane, humna fokclooriin ykn gooroon fokloorii tokko oolaa bulii hawaasaa (Sultana, 2018), fakkeenyaaf: eenyummaa hawaasaa ijaaruurratti qabu fa'a bu'ura godhaachuun ta'uu qaba. Eenyummaan hawaasaa kamuu, kan koornayaas dabalatee, kan ijaaramu, waan miseensonni hawaasaa akka aadaafi duudhaa hawaasaatti jedhaniifi godhanirratti hundaa'uuni (Lövkrona, 1998; Mulamba, 2013). Fokclooriin eenyummaa hawaasaa, keessayyuu, eenyummaa dhiirri akka dhiiraatti, dubartiinis akka dubartiitti hawaasa keessatti qabaachuun irraa eegamu, kan akka aadaafi duudhaatti fudhatama qabu, akka ijaarratan gochuurratti shoora guddaa qaba (Gilman). Kanaaf, fokclooriin akka meeshaa hariiroon hawaasaa gama gochaafi jechaa ittiin ijaaramuufi akka meeshaa hawaasni murteewwan garagaraa dabarsuuf itti fayyadamuutti; darbees, akka meeshaa waliigaltee hawaasaa cimsuutti ilaalamuu qaba (Gencarella, 2009).

Ijjannoon akkanaa kun ijjannoo fokclooriin addunyaa ammayyaa (postmodern) keessatti ittiin ilaalamuu qaba jedhamuudha. Kunis, adeemsa fokloorii akka meeshaa waliigaltee hawaasaatti qorachuu jedhu, kan Foucault (1977b) 'dhiheenya xiinxala gadfagoo (critical analysis approach)' jechuun xiyyeeffaterratti hundaa'a. Qorannoon fokloorii ykn gooroo fokloorii tokko, kan qorattoonni fokloorii durii baay'eerratti xiyyeeffachaa hinturin, fokloorii galumsa aadaa hawaasaarraatti hundaa'uun qorachuu jedhurraati hundaa'uu qaba (Sultana, 2018). Dhiheenyi 'dhiheenya xiinxala gadfagoo fokloorii akka beekumsa muuxannoo hawaasaarraa argameetti ilaaluurra darbee, haalatti fokclooriin hawaasa isa fayyadamu kallattii garagaraatiin ijaaruurrattis ni xiyyeeffata (Gencarella, 2009). Qorannoo kana keessattis, gooroon fokloorii: sirnoonni marsaa jireenyaa eenyummaa koornayaa (eenyummaa dhiiraafi dubartii) akkamiin akka ijaaran, dhiheenya kanarratti hundaa'uun ilaalame.

Yaadrimeen xiinxala waallee afaan dhimmaa waliigalteetiif fayyadamuurratti hundaa'a (Mulamba, 2013). Ta'us, akka ijjannoo hayyoota xiinxala gadafagoo waalleetti xiinxalli waallee afaan dhimma waliigalteef fayyadamuun oli. Akka (Fairclough 1995, 1989) jedhutti, waalleen


uunkaa gocha hawaasaati. Waalleen hubannaan hawaasaati; darbees, karaa raaw'iin hawaasaa ittiin baramu waan ta'eef (Leeuwen, 2008), xiinxalli gadfagoon waallee immoo waallee dhimmoota hawaasaa garagaraa waliin walqabsiisee ilaalchawwan jiran mul'isuurratti xiyyeeffata. Yaaxxina saayinsii hawaasaa, dhiheenya Foucault (1977b) keessatti akka ibsametti, waalleen karaa hiikaafi miiraa galumsa hawaasaa ittiin hubatan; waan ta'uufi hintaane, waan hayyamamuufi hinhayyamne ittiin baraniidha.

Akka Foucault'tti wantoonni hawaasa keessatti jedhaman, haalli itti fudhataman ilaalcha beekumsa akka aangootti fayyadamuu waliin hariiroo qabu. Beekumsa akka aangootti fayyadamuurratti hundaa'uun akka Foucault'n jedhutti, waalleen yaada, amalaafi akkaataa itti namni tokko haala hawaasaa isa sirrii jedhame waliin eenyummaa isaa/ishee ijaaru/rtu qajeelchuurratti qooda jabaa qaba. Ilaalcha beekumsa akka aangootti kanaan wanti ta'u, akka aadaafi duudhaa hawaasaatti qajeelfamaafi yaada wayii kaa'uun akka namoonni isaan bitaman gochuudha (Fox, 1998). Fakkeenyaaf, ilaalcha koornayaa kan dhiirri dubartii oljedhu ijaaruun akka namoonni amananii jireenya keessatti eenyummaa isaanis bifuma kanaan ijaarratan gochuu fa'a. Wantoota akkanaa hawaasa keessatti bu'ura qabachiisuuf immoo, gooroowwan fokloorii bifa jechaafi gochaatiin jiran kana gochuurratti beekamoodha (Gilman, 2019: 5).

Foklooriin dhaloota haaraa aadaafi duudhaa hawaasaa sirriitti leenjisuun madaqsa. Innis akka Gencarella (2009) Burke (1960) eeruun kaa'etti, hawaasa too'achuu, amansiisuuniifi qajeelchuun ittiin bulmaata hawaasaa fudhachiisa. Akkaataa miseensonni garee hawaasaa itti socho'uu qaban muuxannoo aadaafi duudhaa dhiheessuufiin akka isaan amala hawaasaa sirrii qabaatanii eenyummaa isaanii akka dhiiraafi dubartiitti ijaarrataniif, galumsa aadaa hawaasaa ta'uun tajaajila (Pearson, West & Turner, 1995). Ijaarsa aadaafi duudhaa keessatti immoo wanti madaalawaa hintaane kan dhabamuu miti. Dhiirri eenyummaa olaantummaa qabuufi dubartiin immoo eenyummaa akka dhiira jalatti bultu ishee taasisu qabattee argamti jechuudha. Haalli akkanaa kun 'ilaalcha sarara dhiiraarraa' (patriarchy) jedhu kan dubartii caalaa dhiiraaf aangoo kennurraa madde (Ngabonziza fi wk, 2019). Foklooriin immoo waa hunda hawaasaa (gaariis ta'ee, badaan) dhalootaa dhalootatti daddabarsa waan ta'eef, haalli kun cimee akka itti fufu taasisa. "Folklore plays a role in the socialization of children in both dominant and marginalized cultures; and socialization continues to happen throughout individuals' lives" (Gilman, 2019: 5).

Yaadni kun kan ibsu, fokklooriin haala umrii namaa guutuu itti fufuu danda'u, daa'imman aadaa garee tokko olqbee kaan gadi qabuufi garee tokko fayyaduutti madaqanii akka guddatan godha.

Dhimmoota kanneen mul'isuuf immoo fokloorii xiinxala gadifagoo waalleerratti hundaa'uun sakatta'uu barbaachisa. Akka Fairclough (1995)'tti xiinxalli gadifagoon waallee aangoofi ilaalcha mormii qabu agarsiisuun akka hawaasa keessatti jijjiiramni gadfagoon uumamuuf hojjeta. Ilaalcha garee akka hawaasaatti olaanaafi caalaa jedhamuuf aangoofi olaantummaan haa kennamu, fayyadamummaan isaanii itti haa fufu jedhu gadifageenyaan morma. Haalli kunimmoo xiinxalli gadifagoon waallee garee hacuuccameefi dhiibamerratti xiyyeeffachuun isaatiin, yaaxxina saayinsii hawaasaa waliin kan waldeeggaru ta'uusaa agarsiisa. Akkuma kana qorannoo kana keessattis, ijaarsa koornayaa gadifagoo duudhaa Oromoo Arsii keessa jiru sakatta'uun ilaalcha madaalawaa hintaane waa'ee dhiiraafi dubartiirratti ijaarame mul'isuun hiikuuf yaalama.





**Taatoo 1: Fireemii hariiroo yaaxxinaaleefi dhiheenyonni boqonnaalee qorannichaa keessatti qaban ibsu yaada dhuunfaarraa madde**

### 2.9. Fireemii Yaadrimeewwanii (Conceptual Framework)

Qorannoon tokko fireemii yaadrimeewwanii qorattoonni qorannoo keenya nuuf gita, ijoo nuti kaasuu barbaadne caalatti qindaa'ina barbaadamuun ifa nuuf taasisa jedhanirratti hundaa'ee

adeemsifama. Akka Given (2008) kaasetti, fireemiin yaadrimeeewwanii haala qorannoon tokko itti adeemsifamuufi hojjetamurratti caasaafi yaada qorannichi ittiin ijaaramuufi qindeeffamu dhiheessuun gargaarsa godhee akka qorattoonni ragaaleefi yaadolee argatan karaa sirriin qindeessuun galma barbaadamu bira gahan taasisa. Kana jechuun, karaa/kallattii itti qorattoonni dhimma ykn rakkoo itti ilaaluu danda'an dhiheessuufiin qajeelcha jechuudha. Kanumaan armaan gaditti fireemiin yaadrimeewwanii qorannoon kun itti caaseffameefi qindaa'e, yaada Barriteau (2001) irratti hundaa'uun caasaan bifa diyaagraamiin ibsa isaa waliin dhihaateera.




**Taatoo 2. Fireemii Yaadrimeewwan Qorannichaa yaada Barriteau (2001) irratti hundaa'uun fooyya'ee dhihaate**

Akkuma caasaa diyaagraamii armaan oliirraa mul'atu, jalqabarratti 'caasaa ijaarsa hawaasaa' sirna bulchiinsa dhiiraa irratti hundaa'e, kan dhiiraafi dubartiin keessa socho'antu jira. Caasaa kana keessatti dhiiraafi dubartiin seera bulmaataa, safuufi sona aadaa hawaasaarratti hundaa'uun gahee isaanirraa eegamu kan bahan qabu. Hawaasaa keessatti dhiiraafi dubartiin gaheefi bakka

isaaniif kenname (kan isaan miidhuus ta'ee, fayyadu) karaa gooroowwan fokloorii itti madaquun fudhatu. Gahee jechuun, seerota aadaa, duudhaafi safuu hawaasa tokkoorratti hundaa'uun fudhatamoo ta'aniifi hawaasaan dhiiraaf/dubartiif kennaman, kanneen dhiirummaa ykn dubartummaa waliin deeman, amalaafi ilaalcha akka duudhaa hawaasa tokkootti dhiiraaf/dubartiif gaariidha jedhamuun fudhatamaniidha (Wienclaw, 2011; Golombok & Fivush, 1994). Gahee akka sona, safuu, aadaa hawaasaatti dhiiraafi dubartiif kenname kana, ejjannuma duudhaa hawaasaa irratti hundaa'een dhiirri gahee dubartii, dubartiin gahee dhiiraa akka baatu hinbarbaadamu.

Akkuma caasaa diyaagramichaarraa hubatamu, waan hawaasni ijaarsa hawaasummaa isaa keessatti saala nama tokkoorratti hundaa'ee nama sanirraa maqsutu jira jechuudha. Kana jechuun, ijaarsa hawaasaa keessatti waan dhiira malee dubartiin akka raaw'atu, waan dubartii malee dhiirri akka raaw'atu hinhayyamamneefitu jira jechuudha. Akka barreessitoonni baay'een—fakkeenyaaf, Saraceno (2001), Khan (2012), Madanipour (2018) faan ibsanitti, haalli kun maqsaa hawaasaa (Social exclusion) jedhamuun beekama. Fakkeenyaaf, akka Madanipour, (2018) eeretti, sirni aadaawaan garee hawaasaa tokko haala wayii keessatti, yeroo ta'e tokko dhimmoota akka koornayaa, sabummaafi kkf irratti hundaa'uun ni maqsa. Ni maqsa jechuun, akka namni ykn gareen kun caasaa hawaasa isaa/ishee keessatti akka miseensa garee sanaatti garicha waliin dhimmootaafi sirnoota aadaafi wantoota aadaafi duudhaan walqabatan keessatti hirmaannaa hinqabaannee taasisa. Saraceno'n, Townsend (1979) waabeffachuun akka ibsetti, maqsaan hawaasaa haala kanaan uumamu hanqina hawaasa ofii keessatti guutummaan hariiroofi hirmaachuu dhabuuti jechuun kaa'a.

Haalli kunimmoo akkuma diyaagraamichaarraa ifu, hirmaannaa namni tokko hawaasaa keessatti qaburratti dhiibbaa uumuun bakkaafi ilaalcha namni tokko hawaasa keessatti qabuurratti miidhaa fiduu danda'a. Haalli kun gahee dhiiraafi dubartiin hawaasa keessatti bahanirraa ka'uun aangoofi bakka dhiiraafi dubartiin hawaasa keessatti qabanirratti hundaa'een ibsamuu danda'a. Eagly & Wood (1999) gaheen dubartii daa'ima deessee guddisuus dabalatee karraan olta'uun, kan dhiiraa immoo karraan gadi ta'uun bakka dhiiraafi dubartiin hawaasa keessatti qaban—fakkeenyaaf, dubartii caalaa dhiiraaf bakki olaanaa kennamuun (sirnootaafi dhimmoota hawaasaarratti gahee qabaachuu), akkuma amala sirna bulchiinsaa dhiiraarrtti hundaa'eetti, wantoonni baay'een

too'annoo dhiiraa jala akka ta'an gochuurratti, murteessaa akka ta'e ibsu. Dubartiin immoo gaheefi hirmaannaa dhiirri qabu kana dhabuun akka komatamtu ta'e.

Kunimmoo akkuma caasaa diyaagraamii armaan oliirratti ibsamuuf yaalametti, gaheen koornayaa namni tokko caasaa hawaasaa keessatti bahu—fakkeenyaaf, duudhaa hawaasaarratti hundaa'uun, jalqabarratti, intalli akka ilmaa maatiishee biratti dhimmoota adda addaarratti hirmaannaafi gahee akka dhabdu ta'uun (akka maqsamtu ta'uun), ittaansee wanti intalli raaw'achuu hindandeessu safuudha jedhamu kun kan deebi'eetuma isheen ittin komtamtu (durbi araddaa ormaati maal namaaf gooti) ta'e jechuudha. Kana jechuun, akka ilaalcha araddaa ofii-ormaatti, caasaa ijaarsa hawaasaa keessatti intalli dhimmoota adda addaa keessatti gahee dhabuun osoo miidhamtuu taatee jirtuu, isa kana akka dadhabina isheetti ilaaluun, dubarri araddaa ormaati maal namaaf gooti jedhamuun komatamte jechuudha. Kunimmoo kan agarsiisu, caasaan ijaarsa hawaasaa waan gaariis ta'ee badaa hawaasa keessatti uumamuuf—fakkeenyaaf, waan dhiiraafi dubartiirra gahuuf bu'ura ta'uusaati.

Ilaalchi gahee namni (dhiirri/dubartii) tokko hawaasaa keessatti bahurratti hundaa'uun, dhiirri dubartii caalaa barbaadamaa ta'uu itti ibsamu kun hawaasa keessatti duudhuma hawaasaatiin gadifageenyaan ijaaramuun deebi'ee isumaan mul'achaa dhalootaa dhalootattis daddarbaa deema. Kanaaf, gooroowwan foklooriin—sirnoonni marsaa jireenyaa waa'ee koornayaa baruuf xiyyeeffatamuu akka qabuudha. Yaada kana Senkoro (2005) akka ibsetti, waa'ee falaasamaa jiruu jireenya hawaasa tokkoo fokloorumа isaarraa karaa sirnaawaafi gadfageenya qabuun hubachuun ni danda'ama jechuun ibsa. Kana jechuun, haala ijaarsa dhimmoota koornayaa hawaasa keessa jiru baruuf foklooriin—duudhaan hawaasaa bal'inaan xiyyeeffatamuu akka qabuudha.

# Boqonnaa Sadi

## 3. Malleen Qorannichaa

Kutaa kana jalatti malleen ykn tooftaalee qorannoon kunirratti hundaa'eetu xiyyeeffatame. Kunis, saxaxniifi falaasamni qorannichaa maal akka ta'an, iddattoowwan qorannichaa eenyu akka ta'aniifi akkamiin akka filaman, ragaaleen qorannichaa madda akkamiirra akka argamaniifi meeshaalee akkamiitiin akka walitti qabaman kan ibsuudha. Dabalees, kutaan kun kutaa ragaaleen funaanaman akkamiin akka qindaa'aniifi xiinxalaman irratti odeeffannoo bal'aa kennuudha.

### 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun gosa qorannoo sanyaabsaati. Sanyaabsa keessaa immoo sanyaabsa xiinxala gadi-fagoorratti hundaa'eedha. Kaayyoon qorannoo sanyaabsaa, karaa sirnaawaa ta'een aadaa, ilaalcha, amantaa, afaaniifi duudhaa hawaasaa galmeessuun tursuu, rakkoo mul'atuuf furmaata kennuu, ibsuufi hiikuudha. Qorannoo sanyaabsaa keessatti wanti ta'u oolaa bulii hawaasaa keessa guutummaan seenanii muuxannoo jireenyaa argachuun hiika hawaasni galumsa aadaa keessatti kennu hubachuudha (Emerson, Fretz & Shaw, 1995; Mason, 2002; Murchison, 2010). Akkuma kana qorannoo kanarrattis qorattuun Oromoo Arsii keessatti dhalattee guddachuunshee akka qorattuu keessootti (as insider) saxaxa sanyaabsaa akka fayyadamtu ishee gargaare. Fleming (2018) akka ibsetti, qorattoonni qorattoota keessoo ta'uun akka qorattoonni galumsa hawaasaa sirritti hubataniifi ibsan taasisuurratti gahee guddaa qaba.

Kanaaf, qorannoo kanarratti qorattuun qorattuu keessoo ta'uun ulaagaa qorannoon sanyaabsaa qorrattoota galumsa aadaatti seenanii akka sirriitti hubatan barbaadu akka guuttu ishee garagaare. Kanumaan qorannicha keessatti erga hawaasa qorannoon irratti adeemsifamurraa ragaaleen hubannaafi beekumsa sirrii ta'een walitti qabamanii booda karaa mala akkamtaatiin hiikamani. Malli akkamtaa qorannoo allakkoofsawaa adeemsisuuf mala ooluudha. Malli kun ilaalcha, hubannaa, amantaa, miira, hariiroo, duudhaafi walumaagalatti, dhimmoota hawaasaa lakkoofsaan ibsamuu hindandeenye mara qorachuuf ooluudha (Thomson, 2011). Haaluma kanaan qorannoo kanarrattis ragaaleen meeshaalee funaansa ragaa qorannoo akkamtaa funaanuuf oolaan kanneen akka afgaafii, daaw'annaaafi marii garee xiyyeeffannoon walitti qabaman maluma akkamtaatiin yaaxxinaalee qorinnichaaf filatamanirratti hundaa'uun hiikamani.

### 3.2. Falaasama Qorannichaa

Qorannoon kun falaasama ijaarsaarratti kan hundaa'eedha. Leellistoonni falaasama ijaarsaa dhugaan kan walbira qabamuufi akka nama/garee dhuunfaatti kan ijaaramuufi hubatamuudha jedhu. Falaasamni ijaarsaa dhugeeffannaa dhugaan hawaasaan ijaarama jedhurratti hundaa'a (Berger and Luckmann, 1966; Searle, 1995). Falaasama kana keessatti ijaarsiifi hubannaan dhugaa nama dhuunfaa ykn ijaarsaafi hubannaan dhugaa nama dhuunfaa gatii qaba (Crabtree & Miller, 1999). Malli kun qorattoonniifi hirmaattonni qorannoo walitti dhufuun dhugaan lafarra jiru (Ontology) maal akka ta'e mul'isuun dhugichi akka hubatamu taasisa. Adeemsa kanaan hirmaattonni qorannoo ijaarsa/seenaa jiru bal'isanii akka ibsan/gabaasaan; qorattoonni immoo ijaarsicha/seenicha ykn hubannaa hawaasaa akka hubatan taasisa (Isuma). Qorannoo kana keessatti sirnoonni marsaa jireenyaafi koornayaan hariiroo akkamiii akka qaban; isaaniin walqabatee dhugaan ijaaramee lafarra/hawaasa keessa jiru maal akka ta'e falaasama ijaarsaarratti hundaa'uun xiyyeeffatame. Dhugaa hariiroo sirnoota marsaa jireenyaafi koornayaarratti hundaa'uun ijaarame (Epistemology) bira gahuuf malleen qorannoo adda addaa xiyyeeffatamuun qorannoo kana keessatti dhimma baasaniiru.

### 3.3. Iddattoofi Tooftaalee Iddatteessuu

Tooftaalee iddatteessuu keessaa qorannoon kun kan dhimma itti ba'e mala iddatteessuu al-carraawaadha. Sababni isaas, qorannoon kun gosa qorannoo sanyaabsaa waan ta'eef, namni ragaa namaaf kennuu danda'u nama dhimmichaan sirriitti walbeeku malee nama hunda miti. Haaluma kanaan qorannichi gosoota iddatteessuu al-carraawaa keessaa iddatteessuu kaayyeffataa gargaaramuun gaggeeffame. Malli iddattoo kaayyeffataan, iddattoo filatan sana dhimma barbaadanirratti hundaa'uudhaan carraa malee filachuudha. Kanumaan qorannoo kana adeemsisuuf godinaalee naannoo Oromiyaa keessatti argaman keessaa mala kanaan kan filatame Godina Arsiiti. Sababnisaas, godinni tun iddoo dhalootaa qorattittii ta'uudhaan qorattiittiin muuxannoo dhaloota qabduurraa ka'uun badhaadhummaa aadaafi duudhaan Arsii ijaarsa koornayaa mul'isuurrratti qabu waan hubatteef qorannoo irratti adeemsisuuf filatame. Gama qabiyyeetiin immoo sirnoota marsaa jireenyaa Oromoorratti hundaa'uun, gooroowwan fokloorii raaw'ii sirnoota kanneenirratti mul'ataniifi raaw'icha ibsan ofkeessatti kan hammateedha.

Qorannoon kun Godina Arsiis guutummaa isheerratti osoo hintaane, mala kaayyeffatarratti hundaa'uun aanaalee godinattiin qabdu 26 keessaa sadi: Aanaa Heexosaa, Diksiisiifi Muunessaa filachuudhaani (Dabalee C Maappii ilaali). Sababni aanaalee Arsiin Bahaa qabdu keessaa sadan kunneen filatamaniif, aanaalee kanneen keessaa Aanaan Heexosaa kan giddugala godinattiitti argamtu, bakka dhaloota qorattittiiti. Warri lamaan hafanimmoo aanaalee kallattii godinattii garagaraarratti argaman sababa ta'aniif, hanga danda'ameen qaama godinattii hunda haguuguufi.

Haalli filannoo namoota ragaa kennaniis (ragaa karaa daaw'annaa argameen ala), karuma alcarraawaatiin namoota—haawwotaafi abboota hawaasa keessatti duudhaa hawaasaa, koornayaa, seenaafi aadaa Oromoo ganamaarratti beekumsa qaban jedhamaniifi hojjetoota Biiroolee Aadaafi Turizimii aaanaalee sadanii kanneen duudhaarraatti hubannoo qabaniidha. Aanaalee godinattii sadan keessaa dubartiifi dhiiraa umrii 18 olta'an, kan baay'inni isaanii 51 ta'u eerumsa hawaasaafi Biiroo Aadaafi Tuurizimii aanaaleefi mala darbaa dabarsaatiin bira gahamuun ragaaleen walitti qabamani. Aanaalee sadanittuu mala darbaa dabarsaatiin odeef-kennitoonni duraa gara odeef-kennitoota biroo akka dabarsan taasisuun hanga ragaalee argamanii ykn quubsaa ta'uu ragaaleerratti hundaa'uun baay'inni odeef-kennitootaa murtaa'e. Namoota ragaa kennan keessaa 21 (tokkoon tokkoo aanaalee sadanirraa namoota torba torba) akka odeef-kennitoota ijootti (key informats) hirmaachuun ragaa warra kennan yoo ta'u, akki isaan itti filamanis bifa aanaalee hunda walqixa keessumeessuuni. Warreen kuunimmoo tokkoon tokkoo aanaalee sadaniitti kanneen garee namoota jahaa hanga torbaa qabuun ijaaramuun marii garee xiyyeeffannoorratti hirmaataniidha.

### 3.4. Madda Ragaalee

Qorattoonni qorannoo isaaniif madda lamarraa ragaalee argachuu danda'u. Innis tokko madda ragaa nam-tokkofaafi madda ragaa nam-lammaffaadha. Qorannoo kana adeemsisuuf odeeffannoon madda ragaalee sadarkaa tokkoffaafi lammaffaa irraa walitti qabame. Maddi ragaa tokkoffaan qorannoo kanaa, qorannichi duudhawaa ta'uusaarraa kan ka'e, galumsa hawaasaa dhugaa, bakka hawaasni sirnoota marsaa jireenyaa itti raaw'atu kanneen akka dhalootaa, cidhaa, boo'ichaatti argamuun daaw'annaa taasifameefi odeef-kennitoota waliin afgaafiifi marii garee xiyyeeffannoo taasisuudha. Bakkeewwan raaw'ileen duudhaa adda addaa itti raaw'ataman kanneenitti argamuun daaw'annaa gartokkeen hirmaachisaafi miti-hirmaachisaan

odeeffannoowwan duudhaa hawaasaa dhimmoota koornayaa ibsan walitti qabamanii jiru. Dabalataanis, namoonni ykn odeef-kennitoonni qaamaan bira ga’amee odeeffannoon irraa guurame madda ragaa tokkoffaa qorannichaa ta’uun tajaajilanii jiru. Maddi ragaa lammaffaan immoo kitaabileefi odeeffannoowwan barreeffamaa waa’ee iddoo qorannichaa galmeewwan garagaraarraa argamaniifi yaadolee kitaabilee wabii garagaraarraa walitti qabaman qorannichi ittiin utubameedha.

### 3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qorannoon tokko yoo adeemsifamu ragaa walitti qabuuf, gosa qorannichaarratti hundaa’ee meeshaaleen funaansa ragaalee garagaraa hojiirra oolu. Fakkeenyaaf, Murchison (2010) akka eeretti qorannoon tokko gosa qorannoo sanyaabsaa yoo ta’e qorattoonni meeshaalee funaansa ragaalee daaw’annaa, afgaafii fayyadamuutu irraa eegama. Akkasuma qorannichi gosa qorannoo biraa yoo ta’e, qorattoon meeshaalee funaansa ragaa kaayyoo isaanii galmaan gahu fayyadamuutu irraa eegama.

Sababni meeshaaleen funaansa ragaalee garagaraa qorannoo tokko keessatti hojiirra oolaniif, meeshaa funaansa ragaa tokkoon ragaalee walitti qabachuu keessatti, meeshaan funaansa ragaa tokko guutuu ta’uu hindanda’u; faayidaa qabu cinaatti hanqina wayii qabaata. Kanaaf, qorattoonni qorannoo isaanii galmaan gahachuuf, hanqina meeshaan funaansa ragaa tokko qabu meeshaa funaansa ragaa biraa fayyadamuun guutaa deemuun odeeffannoo gahaa argachuu qabu. Fakkeenyaaf, qorattoonni ragaa afgaafiin argatan tokko daaw’annaa fayyadamanii yoomessa dhugaa keessatti argamuun raaw’iidhaan sirriitti hubachuu danda’u. Darbees, dhugummaafi qabatamuummaa isaa mirkaneeffachuu danda’u. Qorannoo tokko adeemsisuu keessatti, keessaayyuu, qorannichi qorannoo akkamtaa yoo ta’e, meeshaalee funaansa ragaalee hedduutti dhimma bahuun dhimma qorachaa jiran sanarratti kallattii garagaraatiin odeeffannoo bal’aa argachuuf nama garagaara. Kana jechuun qorattoonni meeshaa funaansa ragaa tokko qofa fayyadamanii qorannoo adeemsisuurra meeshaalee funaansa ragaalee garagaraa walcinaa qabanii yoo fayyadaman bu’a-qabeessota ta’u jechuudha. Akkuma kana qorannoo kana keessattis meeshaalee funaansa ragaalee qorannoo sanyaabsaaf ragaalee walitti qabuuf oolan kanneen akka afgaafiifi daaw’annaan; dabalataan immoo marii garee xiyyeeffannoo hojiirra oolaniiru.

### 3.5.1. Daaw'annaa

Daaw'annaan meeshaa funaansa ragaa qorattoonni yoomessa dhugaa dirree qorannootti argamanii ragaalee walitti qabatan ta'uu beekamaadha. Mala funaansa ragaalee qorannoo sanyaabsaa keessatti murteessa ta'e keessaa daaw'annaan tokko ta'uu hayyoonni baay'een ragaa ba'u. Mason (2002) Atkinson fi wk (2001) waabeffachuuniifi Murchison (2010) akka ibsanitti, ijoo qorattoonni qorannoo sanyaabsaa warra kaanirraa adda ta'an keessaa tokko daaw'annaa, keessaayyuu, daaw'annaa hirmaachisaatti fayyadamuudha. Mason qorattoonni qorannoo sanyaabsaa daaw'annaa akka meeshaa ijootti haa fayyadaman malee, meeshaa funaansa ragaalee biroo hinfayyadama jechuu miti jedha.

Daaw'annaan qabxiilee garagaraarratti hundaa'ee iddoo adda addaatti qoodama. Qorattoonni dhimma ragaa irratti walitti qabatanirratti hawaasa waliin hirmaachaa daaw'achuufi ala ta'anii ragaa walitti qabachuun daaw'annaan daaw'annaa hirmaachisaafi miti-hirmaachisaa jedhama. Akkasumas, daaw'annaan dhimma deemaniif odeef-kennitoota beeksisuufi dhiisuurratti daaw'annaa dhoksaafi ifaa jedhama. Maso (2002) daaw'annaa fayyadamuu keessatti daaw'annaa dhoksaa fayyadamuu naamusa qorannoo sirrii akka hintaane ibsa. Qorannoo kana keessatti daaw'annaan taasifame, gosa sirnoota ragaan irraa walitti qabamuurratti hundaa'uun daaw'annaa hirmaachisaafi gartokkeen hirmaachisaa odeef-kennitoonni daaw'annaan adeemsifamaa jiraachuusaarratti odeeffannoo qabaniidha.

Mason (2002) daaw'annaan—hirmaachaa daaw'achuun akka qorattoonni yoomessa ragaa keessa guutummaan galanii muuxachuun ragaa sirrii ykn nam-tokkoffaa walitti qabatan kan taasisu akka ta'e ibsa. "The terms 'observation', and in particular 'participant observation', usually refer to methods of generating data which entail the researcher immersing herself or himself in a research 'setting' so that they can experience and observe at first hand a range of dimensions in and of that setting (ff:84). Qorannoo kanarrattis daaw'annaan, keessaayyuu, hirmaachaa daaw'achuun muuxannoo argachuun galumsa dhugaa keessatti ragaa sirriin akka argamu taasise.

Qorattuun sirnoota marsaa jireenyaa dhalootaafi gaa'elaan walqabatanii raaw'atamanirratti akka aadaan naannoo qorannoo hayyamutti—fakkeenyaaf, akka amantaa Islaamaatti dubartiin bakka dhiironni taa'an (cidharratti iddoo tokko tokkotti) hinseentu waan ta'eef, bakka seenuun

hindanda’amneefi haalli akkanaa jiru qorattittii namni ishee gargaaru akka ragaalee walitti qabu taasifte. Daaw’annaan taasifames, daaw’annaa hirmaannaa guutuufi gartokkeen hirmaachisaa (sirna dhlootaafi gaa’elaarratti waan hawwan dalagan waliin dalaguu) fi daaw’annaa hirmaachisaa hintaane (sirna boo’ichaa) gochuun ragaalee walitti qabatte. Dabalees, sirna boo’ichaarratti bakka dubartiin irratti argamuu dandeessuutti argamuun, bakka kaanitti immoo—akka Arsiitti dubartiin awwaala fa’a waan hindhaqneef, namni dhiiraa waan jirurratti odeeffannoowwan akka walitti qabu ta’e. Daaw’annaa hirmaachisaa gochuu keessatti dhimmoonni hedduun—hariiroon, aadaa, amala, taateewwan, naannoofi kkf dirree qorannoo qorattootarratti dhiibbaa uumuu danda’u (Mason, 2002). Ta’us akka qorannoo kanaatti qorattittiin qorattuu keessoo ta’uusheetiin aadaafi haala waliigalaa dirree qorannoorratti hubannoo qabaachuun sirnoota hirmaachaa daaw’atterratti rakkoon ishee muudate hinjiru.

Daaw’annaa adeemsisuuf raaw’iin sirnoota marsaa jireenyaa kan argaman, jalqabarratti yeruma hojii dirreef bahametti aanaalee sadanittuu eerumsa odeef-kennitootaatiin sirnoota marsaa jireenyaa sadan keessaa kan argame—Aanaa Muunessaatti sirni dhalootaa tokko daaw’atame. Ittaansuun, sirnoota raaw’iin isaanii hinargamin aanaalee sadanittuu odeef-kennitoonni si’atoo ta’an filamuun odeeffannoo akka kennan ta’e. Haaluma beellama qabameetiin—Aanaa Heexosaatti: sirna dhalootaa tokko, sirna gaa’elaa lamaafi sirna boo’ichaa tokko; Aanaa Diksiisitti: sirna dhalootaa tokko, sirna gaa’elaa tokkoofi sirna boo’ichaa tokko; Aanaa Muunessaatti: sirna gaa’elaa tokkoofi sirna boo’ichaa tokkoorratti daaw’annaan taasifame. Sirna dhalootaarratti yeroo ammaa dubartoonni harki caalaan mana yaalatti dahaa jiru. Kanarraa ka’uun, sirnoonni duudhawoon dur yoo dubartiin manatti deessu raaw’ataman gaafa dubartiin saala daa’ima deesseerratti hundaa’uun nafa dhiqatuufi Qanafaa godhatutti darbani. Haaluma kanaan, daaw’annaan taasifames kanumarratti kan hundaa’eedha. Sirna boo’ichaarratti duuti beellamaan hindhuftuu akkamiin ta’e? kan jedhu, akka aadaa naannichaatti namni du’ee guyyaa lama fa’atti waan awwaalamuuf, akkuma odeeffannoon argameen bakkichatti argamuun daaw’annaan taasifame.

Yeroo daaw’annaan ragaaleen walitti qabaman qorattittiin sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsii keessatti koornayaan akkamiin akka ijaaramu ibsamuufi daddarbuun walqabatee waan daaw’achuu qabdu waan hubateef, daaw’annaa adeemsisuuf qabxiileen mirkaneeffannaa

qopheeffaman hinfayyadamne. Kana jechuun, daaw'annaan qorannoo kanaaf ragaalee walitti qabuuf taasifame daaw'annaa miti-qindaawaadha jechuudha. Daaw'annaa miti-qindaawaa keessatti akkuma qorattoonni dirree qorannoorraa muuxannoo argachaa deemaniin xiyyeeffannoon daaw'annaa jijjiiramaa deema. Qorattoonni akkuma dirree turaniin dhimmoota gaafilee qorannoo isaanii deebisanirratti xiyyeeffachaa deemu. Qorannoo kanarratti yeroo daaw'annaa ragaaleen kan walitti qabaman hawaasa waliin waliigaluun suuraa kaasuu, suursagalee waraabuufi yaadannoo qabachuudhaani.

### 3.5.2. Af-gaafii

Qorannoo sanyaabsaa akkamtaa gaggeessuu keessatti, meeshaalee funaansa ragaalee keessaa afgaafii bakka guddaa qaba. Sababnisaas, afgaafiin mata-duree qoratamaa jirurratti namoota beekumsa aadaafi duudhaa hawaasaa bal'aa qaban waliin yeroo quubsaa fudhachuun ragaa barbaachisaa walitti qabachuuf haala mijataa uuma. (Murchison, 2010) afgaafiin qorannoo sanyaabsaa keessatti taasifamu afgaafii namoonni miidiyaa taasanirraa alidilaawaa ta'uufi qorattoonni yoomessa qorannoo keessatti muuxannoo hawaasaarratti xiyyeeffachuun adda jedha.

Haaluma kanaan qorannoo kana keessattis dhimmoonni koornayaa sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsii keessatti akkamiin akka ijaaraman, ibsamaniifi daddarban baruuf abbootaafi haawwota hawaasa keessatti aadaafi duudhaarratti muuxannoofi beekumsa bal'aa qaban eerumsa hawaasaafi Biiroolee Aadaafi Turizimii aanaaleetiin bira gahuun afgaafiin taasifamuufiin ragaalee barbaachisoon kaayyoo qorannichaa galmaan gahan walitti qabaniiru. Qorannoo kanarratti af-gaafiin kan taasifame odeef-kennitoota warreen ijoo ta'an kanneen aanaalee sadan iddattoo qoranichaa ta'a Aanaa Heexosaa, Diksiisiifi Muunessaa keessaa filaman 21 waliini.

Qorannoo kana keessatti afgaafiin taasifame, ragaalee raaw'ii sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsiirraa karaa daaw'annaa argamanirratti ibsaafi odeeffannoo dabalataa argachuufi. Yeroo yoomessa qorannoo keessatti argamanii hirmaachaa daaw'atan afgaafii fayyadamuun barbaachisaadha. Darbees, ragaa quubsaan akka walitti qabamu gochuurratti shoora guddaa kan qabu ta'uu Murchison (2010፡44) yoo ibsu "In many cases, interviews will be better and yield more information if they are rooted in information collected through other methods like participant–observation" jechuun kaa'a. Kanumaaf, qorannoo kana keessattis qorattittiin raaw'iin

sirnoota marsaa jireenyaa Arsiirratti yoo hirmaachaa daaw'achaa turtetti hirmaatota sirnichaaf afgaafii taasisuun odeeffannoo walitti qabachaa turte. Kun kan agarsiisu afgaafii qorannoo kana keessatti taasifame kan nama dhuunfaafi garee ta'uudha.

Af-gaafiichaaf gaafileen qajeelchoo ta'an gaafileen qorannichaa akka deebii argataniif gargaaran garagaraa qophaa'uudhaan odeef-kennitoota qorannichaatiif dhihaachuun ragaalee kaayyoo qorannichaa galmaan gahan walitti qabamaniiru. Qorannichi qorannoo akkamtaa ta'uusaatiin yaada bal'aafi gadifagoo kan barbaadu waan ta'eef, afgaafiin yoo taasifamu gaafii dhihaateen ala yaada odeef-kennitootni kennan irratti hundaa'uun ragaan dabalataa walitti qabame. Kana jechuun, afgaafiin taasifame gartokkeen caasawaafi alcaasawaadha. Adeemsi akkanaa kun qorannoo adeemsifamaa jirurratti akka qorattoonni odeef-kennitootarraa gaafii gaafatatameen alatti yaada bal'aa kaasuun dhimma qorachaa jiranirratti odeeffaannoo bal'aafi gadifagoo gaafilee qorannichaa deebisan argachuu danda'an taasisuun hojii qorannichaa gargaara.

Yeroo afgaafii qorattittiin odeef-kennitootaaf afgaafii yoo gootu mala yaadannoo qabachuufi akkasumas, odeef-kennitoota hayyamsiisuun sagalee waraabbachuun ragaalee fudhatte. Iddoon afgaafiin itti adeemsifames waliigaltee qorattuufi odeeffannoo kennitootaatiin kan filatame yoo ta'u, innis jeequmsa adda addaarraa bilisa akka ta'utti yaadameeti.

### 3.5.3. Marii Garee Xiyyeeffannoo

Qorannoo kanaan walqabatee mariin garee kan adeemsifame, raaw'ii sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsii keessatti dhimmoonni koornayaa akkamiin akka ijaaraman, ibsamaniifi daddarbanirratti haawwotaafi abboota ragaalee gahaa ta'e kennuu danda'an walitti qabuun mari'achiisuun akka ragaalee kennan taasisuudhaani. Kana malees, qorannoo kana keessatti mariin garee kan hojiirra oole, odeeffannoo afgaafii dhuunfaa dhuunfaatiin guurame sirriitti hubachuudhaaf namoota dhimma kana haalaan beekan waliin mari'achuun qabatamummaa ragichaa mirkaneessuuf tooftaa gaarii waan ta'eef, dabalataan abbootaafi haawwota waliin mariisisuun mata-duree kanarratti yaada akka kennan taasifame. Dabalees, namoonni yoo waliin mari'atan ijoo dagatan walyaadachiisu waan ta'eef, marii garee xiyyeeffannootti dhimma bahame. Abbootaafi haawwota walitti fiduun mariisisuun dura, abbootaafi haawwota hawaasa

keessatti beekumsa aadaa qaban jedhamuun beekaman Biirolee Aadaafi Turizimii aanaalee dhimma qorannoo kanaatiif filataman waliin ta’uun filataman.

Yeroo marii garee xiyyeeffannoo qorattittiin gaafilee kaayyoo qorannoo ishee galmaan gahan bifa yaadannootiin qabattee dhaquun odeef-kennitoota walmakaa saala lamaanuu ykn dubartiifi dhiira ta’an torbaa hanga saddeetii ta’aniif dhiheessuun akka isaan dabare dabareen walyaadachiisaa yaada irratti dhiheessanii mari’atan taasifte. Kanarratti, dura odeef-kennitoota aanaalee sadanii waliin beellama qabachuu, aanaalee sadanittuu bakka isaaniif mijatuutti sagantaa qopheessuun hundi isaanii walharkaa fuudhaa yaada akka itti kennan taasisuun ragaan barbaachisaafi quubsaa ta’e karaa yaadannoo qabachuufi sagalee waraabuun walitti qabame. Kana jechuun, qorattittiin marii garee taasisturratti gaafilee qajeelchoo qopheeffachuun yaada yeroo marii ka’uurratti hundaa’uun yaadaafi gaafilee dabalataa dhiheessaa turte. Yeroo odeef-kennitoonni marii garee taasisan, qorattittiin immoo waltajjicha qajeelchuun, haala mijeessuudhaaniifi yaada miseensonni garichaa mariin kaasan irraa ka’uun gaafilee dabalataa dhiheessuun fa’a akka mariin gadifageenyaan taasifamuun yaadni bal’aan ka’uu gochuun haala marichaa mijeessaa turte. Qorattittiin yoo hirmaatota waliin haala mijeessitee mariin garee taasifamuun yaadni bal’aan akka ka’u gochaa turtetti, hirmaattonni akka mukoofne namni qorattittiin akka ishee gargaaruuf ofbiraa qabdu namootaaf bunaafi shaayii dhiheessu haalichi si’ataa akka ta’u taasifame. Yeroo marii garee qorattittiin ragaa kan galmeeffatte yaadannoo qabachuufi sagalee waraabuudhaani.

### 3.6. Meeshaalee Galmeessa Ragaalee

Akkuma kutaa meeshaalee funaansa ragaalee tokkoon tokkoo jalatti tuquuf yaalame ragaalee galmeeffachuuf malleen ragaalee galmeeffachuuf oolan kanneen akka yaadannoo qabachuu, waraabbii sagalee/suursagaleefi suuraa kaasuu qorannoo kanarratti hojiirra oolaniiru.

#### 3.6.1. Yaadannoo Qabachuu

Malli kun qorannoo kana keessatti kan hojjoome yeroo meeshaalee funaansa ragaalee akka daaw’annaa, afgaafiifi marii garee xiyyeeffannootiin ragaaleen walitti qabaman, qorattittiin ragaaleefi waan yoomessaa qorannoo keessatti hubattu yeruma sana yaadannoo gabaabaa

fudhachuun, gara manaa yoo deebitu immoo barruu yaadannoo guyyaarratti bal'inaan barreeffachuun kan galmeeffatteedha.

### 3.6.2. Suuraa Kaasuufi Waraabbii Sagalee/Suursagalee

Dirree qorannootii ragaalee walitti qabachuurratti barreeffama qofaan waan hunda qabachuun rakkisaa ta'uu mala. Qorattoonni dirree qorannootii ragaalee yoo walitti qabatan meeshaa galmeessa dijiitaalaa kanneen akka Kaameeraa, waraabduu sagaleefi suursagalee—hanqinnisaan qaban akkuma jirutti ta'ee (cabuu, hatamuufi kkf) fayyadamuu danda'u (Perecman & Curran). Aadaan jechaan qofa kan ibsamu osoo hintaane, gochaas waan dabalatuuf, qorannoo aadaarratti meeshaalee kanneen fayyadamuun gochaalee jechaan ibsuu hindandeenyeefi hariiroo hawaasaafi raaw'ilee adda addaa akkuma jiraniin galmeeffachuuf oola (Perecman & Curran, 2006; Pink, 2007). Yeroo daaw'annaa sirna ta'aa jiru tokkoo sagalees haa ta'uu suursagalee waraabbachuun waan galumsa dhugaa keessatti ta'aa ture tokko akkuma inni ta'aa tureen yeroo biraa irra deebi'anii dhaggeeffachuufi ilaaluufis oola. Haala kanaan ragaalee galmeeffachuun dirree qorannootti waan ta'een walqabatee ragaaleen barbaachisoon akka hinhafne taasisa. Fakkeenyaaf, suuraan waan baay'ee dubbachuurra yeroo tokkotti ergaa heddu dabarsuu danda'a.

Suuraa kaasuufi waraabbiin sagalee/suursagalee akkuma yaadannoo qabachuu yeroo meeshaalee funaansa ragaalee qorannoo kanaatiin ragaaleen dirree qorannootii walitti qabaman akkaataa adeemsa ragaalee fudhachuu miidhuu hindandeenyeen hirmaattoota qorannoo hayyamsiisuun hojiirra oolani. Haaluma kanaan qorannoo kanarratti yeroo raaw'ii sirnoota marsaa jireenyaafi godambaalee garagaraarratti daaw'annaan (sirna boo'ichaatiin ala) taasifame, akkaataa haalli iddoo sirnoonni itti raaw'ataman hayyamuufi akkaataa barbaachisuun suuraa kaasuufi sagaleefi suursagalee waraabuun dhimma baasaniiru.

Qorannoo kanarratti waraabbiin suursagalee hanga waraabbii sagalee hojiirra hinoolle. Sababnisaas, akka aadaa hawaasa qorannoon irratti adeemsifamuutti sirnoota tokko tokko, fakkeenyaaf, sirni boo'ichaa gadda waan ta'eef, meeshaa dijiitaalaa fayyadamuun suursagalee waraabuus haa ta'uu suuraa kaasuun fudhatama hinqabu. Sirna boo'ichaan alas fakkeenyaas, sirna gaa'elaarratti namoonni tokko tokko sababa amantiirraa kan ka'e itti fayyadama meeshaa dijiitaalaa dhoorkaa waan turaniif, kunis waraabbii suursagalee qorannoo kanaarratti dhiibbaa

uume. Kanaaf, qorannoo kanarratti iddoo waraabbiin suursagalee sababoota garagaraarraa ka'uun hindanda'amnetti, sagaleetu waraabame.

### 3.7. Adeemsa Ragaalee Barreeffamatti Jijjiiruu, Qindeessuufi Xiinxaluu

Qorannoo tokkoof erga ragaaleen walitti qabamanii booda tarkaanfiin ittaanu, ragaalee waraabbii sagaleefi suursagaleetiin jiran gara barreeffamaatti jijjiiruudha. Ittaansee immoo ragaalee gara barreeffamaatti jijjiiraman qindeessuudha. Qorannoo kana keessattis ragaaleen maddeen garagaraarraa karaa daaw'annaa, afgaafiifi marii garee xiyyeeffaannoon walitti qabaman haala hawaasni ibseen erga wanti sagalee, suuraafi suursagaleen jiru barreeffamatti jijjiiramee booda, ragaaleen mata-duree qorannichaa waliin hidhata qaban adda baafamuun qindaa'ani. Ragaaleen barreeffamatti jijjiiraman qindaa'uun dura dhimma walitti qabamaniif ykn kaayyoo qorannichaa galmaan gahuufi dhiisuu isaaniitu ilaalame.

Ragaaleen dhimma manaa bahameef guutuufi dhiisuu isaanii adda baasuun wanti barbaachiseef, qaawwa ragaaleen dhimma barbaadamaniif guutuurratti qaban yerootti ilaaluun adda baasuufi qaawwichi turtii hojii dirree yeroo ittaanuu keessatti guutuuf ykn furmaata argatuufi. Haalli kun hojii dirree hundarratti hojjoomuun qaawwaafi hanqinni ragaaleen qaban maal akka ta'e adda bahuun tarkaanfiin fudhatamaa deeme. Qaawwi ragaaleen qaban erga adda bahee booda odeef-kennitootuma ragaaleen dura irraa fudhameefi dabalataanis namoonni biroo gaafatamuun guutame. Kana booda ragaaleen karaa meeshaalee funaansa maraan argaman erga barreeffamatti jijjiiramanii booda irra deddeebiin dubbifamuun akkaataa walfakkeenyasaaniitiin mata-dureen kood ta'uun qindaa'ani. Koodiin ijoo ta'an adda baasuun walqabsiisuun duraa duubaan kaa'amuun mogga'ani. Ittaansuun ragaaleen walitti qabaman ni gahu jedhamee erga amanamee booda xiinxalatti seename. Ragaaleen karaa meeshaalee funaansa ragaa qorannoo kanaa walitti qabaman akkaataa walfakkeenya isaanitiin qindaa'uun mata-dureewwan garagaraa jalatti kaayyoolee qorannichaarratti hundaa'uun boqonnaa boqonnaatti qoqqoodamuun yaaxxinaalee qorannichaa boqonnaa lama jalatti dhihaataniin deeggaramaa karaa allakkoofsaawaa ta'een xiinxalamani. Haaluma kanaan boqonnaan xiinxala ragaalee jalqabaa keessatti sirnoota marsaa jireenyaa sadan—sirna da'umsaa, gaa'elaafi boo'ichaarratti ragaalee qindaa'anii dhihaachuun xiinxalamani. Ittaansuun boqonnaa kanarratti hundaa'uun boqonnaaleen biroo—boqonnaan jaha waa'ee fakkoommii, boqonnaan torba gahee sirnoonni marsaa jireenyaa dubartii dhiira

aangomsuurratti qaban, boqonnaan saddeet ittifufiinsaafi jijjiiramoota sirnoota marsaa jireenyaa Arsiirratti mul'atantu xiinxalame. Kana jechuun, boqonnaa shan keessatti ragaaleen waliigalaa dhihaachuun isa keessaa ijoowwan addatti bahanii ibsamuu qaban boqonnaalee birootti bahuun ibsamani.

Ragaaleen qoqqoodamuun yoo xiinxalaman ragaaleen gooroowwan fokloorii biroo sirnoota marsaa jireenyaatiin walqabatanii dhihaataniifi raaw'ii sirnoota marsaa jireenyaa sadanirratti dhimma baasan akkaatuma mata-dureewwan waliin hariiroo qabaniin isaan jala galuun qindaa'anii hiikamani. Qorannoon kun qorannoo Afaaniifi Fokloorii Oromoorratti hundaa'e ta'uusaatiin, ragaaleen hiikamuu keessatti dhimmi afaanii ykn hiikni afaanii ragaalee keessa jiru—wanti jechaan, gochaafi meeshaadaaleen jiru maal akka fakkaatu kutaan addaa yoo kennameef irra-deebii waan ta'uuf, kutaan addaa kennameefii osoo hintaane, kutaalema jiran keessatti qindaa'anii dhihaachuun ibsamani.

### 3.8. Naamusa Qorannoo

Naamusni qorannoo seera sochii qorattoonni yeroo qorannoo tokko adeemsisan taasisa, adeemsa isaan hordofaniifi hariiroo isaan hirmaatota qorannichaa waliin qaban akka waliigalaatti too'atuudha (Ethik-Kodex, 1993; Flick, 2009 keessatti). Qorattoonni kamuu yoo dirree qorannootti bahan aadaafi duudhaa hawaasa qorannoo irratti gaggeessaa jiranirratti hundaa'uun naamusa qorannoo hordofanii argamuu qabu. Naamusa qorannoo isaanirraa eegamu hordofanii hinargamne taanaan isaanis dabalatee hirmaattota qorannichaa rakkoo eegamuufi hineegamne keessaa galchuu danda'a. Kanaaf, naamusa namaarraa eegamu hordofanii argamuufi haala sirrii ta'een socho'uun dirqama qorattoonni guutuu qabaniidha. Qorattoonni yoo dirree qorannootti bahan isaanis ta'ee hirmaatota qorannoo rakkoolee gama xiinsammuutiin, hawaasummaatiin, diinagdeetiin uumamanirraa eeguuf ykn rakkoolee bakka qorannoo sanatti argamanii hojjechuu isaanitiin walqabatanii uumaman too'achuuf isaan gargaaru seera naamusa qorannoo kan mataasaanii qabaachuu qabu (Creswell, 2009; Sieber, 1998).

Haaluma kanaan qorannoo kanarrattis rakkoolee naamusaan walqabatanii dhufuu malan hiikuuf, darbees jalqabumarraa qabee rakkooleen akka hinuumamne gochuuf, ragaalee walitti qabuuf gara dirree bahuun dura, qorattittiin Yuunivarsiitii Addis Ababaa Koolleejjii Namummaawwanii, Qo'annoo Afaanii, Jornaalizimiifi Qunnamtii, Muummee Afaan Oromoo, Ogumaafi

Fokllooriirraa xalayaa seera-qabeessummaa ishee mirkaneessu qabachuun gara Biiroo Aadaafi Turizimii aanaalee Godina Arsii iddattoo qorannichaa ta'an deemte. Qorattittiin erga haala kanaan dirree qorannoo seentee booda, osoo kallatummaan gara funaansa ragaalee hinseenin hirmaattota qorannichaatiif ragaaleen isaanirraa argaman dhimma maalitiif akka oolan, akkamiin akka faayidaarra ooluufi waan jiru mara ifa gooteefi. Haala kanarratti hundaa'uun hirmaattonni adeemsa jirurratti waliigalteefi ofitti amantummaa qaban qofti fedhiisaaniitiin akka hirmaatan taasifame. Akkasumas, yeroo hirmaattonni qorannichaa ragaa kennan waraabbiin suursagalee, sagaleefi suuraa kaasuun fedhiisaaniirratti hundaa'uu taasifame. Hirmaattota ragaa kennan warra suuraa ka'uuf, sagaleefi suursagaleen isaanii akka waraabamuuf fedhii hinqabne fedhiin isaanii eegamuun qorattittiin yoo isaanirraa ragaalee fudhattu mala yaadannoo qabachuuti fayyadamte.

Qorannoon kun qorannoo aadaafi duudhaa hawaasaarratti hundaa'e ta'uusaatiin, qorattittiin hawaasa keessa seentee ragaalee walitti qabachaa kan turte haala aadaafi duudhaa faallessuu hindandeenyeen, haala aadaafi safuu hawaasaarratti hundaa'eeni. Fakkeenyaaf, qorattittiin yeroo kabaja sirnoota adda addaarratti hirmaachaa turtetti, haala safuu safuun bakkichaa hayyamuun haala uffannaas ta'ee wantoota biraatiin hirmaattotuma sirnichaa waliin walfakkaachuudhaan hirmaachaa turte.  Walumaagalatti, qorannoo kanaratti haawwootaafi abboota ragaalee kennuun qorannicharratti hirmaatanis ta'ee, warreen sadarkaa biiroofi adda addaatti hirmaannaa qabaataan hanga danda'ameen fedhiinisaanii guutamuuf yaalameera. Fakkeenyaaf, yeroo namoonni marii gareetiif iddoo jireenya isaanitii waamanii gara bakka biraa dhufan akka baasiif hinsaaxilamne laaqana affeeruufi waan geejjibaa kennuufiin haalli gaariin akka uumamu taasifamaa turame.


## Boqonnaa Afur

### 4. Seenduubee Naannoofi Aad-hawaasa Qorannoo

Kutaa kana keessatti kan dhihaate odeeffannoo adeemsa waliigala qorannichaatiif barbaachisaa ta'e, seenduubee aad-hawaasaa Oromoo Arsii, kan duudhaaleen sirnoota marsaa jireenyaa keessatti adeemsifamaniidha. Kunis, seenduubee aad-hawaasa Oromoo Arsii galumsa isa dhugaa sirnoonni marsaa jireenyaa keessatti dhihaachuun koornayaa ijaarantu ibsame. Kana gochuun wanti barbaachisuuf, qorannoo sanyaabsaa keessatti, odeeffaannoo waliigalaa waa'ee ummataafi jireenyaa guyyuusaa baruuf seenduubee aad-hawaaasa qorannichaa gadi-fageenyaan beekuun barbaachisaa waan ta'eefi. Kanaaf, kutaa qorannoo kanaa keessattis wanti dhihaate, seenduubee galumsa aadaafi hawaasaa Oromoo Arsii kan sirnoonni marsaa jireenyaa keessatti hojjoomanii koornayaa ijaaran maal akka fakkaatantu ibsame. Kunis, waa'ee madda latiinsa Arsiirraa akka waliigalaatti eegaluun qilleensi baramaafi haalli teessuma lafa maal akka fakkaatu, jireenyiifi sochiin diinagdee hawaasaa maalirratti akka bu'uraaweefi aadaan waliigalaa Oromoo Arsii kan sirnoonni marsaa jireenyaa keessatti raaw'atan maal akka fakkaatu gabaabinaan ibsame.

#### 4.1. Oromoo Arsii

Oromoon Arsii gosa Oromoo bal'aa—damee Baarentuu lafa bal'aa Waabee gamaafi gamana jedhamurra jiraatu, kan sirni ittiin bulmaata Gadaa isaa Odaa Roobaa ta'eedha (Hayileefi wk, 1998; Gnamo, 1995). Barreesitoonni kunneen akka ibsaniitti, ilmaan Arsii Sikkoofi Mandoo jedhamuun lamatti qoodamanii waamamu. Bakka argamatiin Oromoon Arsii laga Waabee gamana—sirna bulchiinsa ammaatiin Godina Arsiifi Arsii Dhihaa jiran Sikkisaa jedhamu. Warri Waabee gamaa immoo kan sirna bulchiinsa ammaatiin Godina Baalee jala jiran Mandoo jedhamu. Gosoonni Arsii laga Waabee gamaafi gamana jiran kunneen akka Arsiin ittiin ofwaamun kan waabee gamaa *Baale* kan gamanaa immoo *Diida'aa* jedhama (Isuma). Kanarraa ka'uun Arsiitti namoonni walbeekan tokko yeroo wayiif walarguu dhabanii yoo addaan fagaatan gaafa walargan addaan fagaachuu isaanii kana addaan fageenya lafa Baaleefi Diida'aarratti hundaa'anii ibsuuf *'maaloo waluu arguu dadhabnee Baalee-Diida'a taanee'* jedhanii waliin haasa'u. Ilmaan Arsii lamaan—Sikkoofi Mandoo dameelee biroo hedduu ofjalaa qabachuun bal'achaa deemu. Kanaas akka Hayileefi wk (1998) chaartiin kaa'anitti kan ittaanu kana fakkaata.




**Taatoo 3. Hidda Latiinsa Oromoo Arsii agarsiisu Kitaaba Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa jedhurraa fudhatame**

Akka Alamaayyoo faan ibsanitti, bakki Oromoon Arsiin jiraatu lafa amma godina Arsii jedhamuun beekamu qofa osoo hintaane, lafa bal'aa Baale, kibba-baha Shawaatii qabee hanga daangaa ummatoota kibbaatti jiruudha. Gnamo (1995) immoo daangaan lafa Arsii ykn lafni gosni Arsii irra qubate lafa amma Baaleefi Arsii jedhamuun beekaman dabalatee hanga qarqara daangaa Somaaleefi Harargee dhihaatti fulla'uudha. Kanaaf, Oromoon Arsii gosa Oromoo kanneen biroo caalaa lafa bal'aarra qubatee jira (Hayileefi wk, 1998; Gnamo, 1995). Lafti Arsii jedhamu sirna bulchiinsaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa yeroo ammaatiin Arsiifi Arsii Dhihaa jedhamuun magaalota gurguddoo mataa mataasaanii qabaachuun bakka lamatti qoodamani. Magaalaan guddoon Arsii Asallaa yoo taatu, kan Arsii Dhihaa immoo Shashamanneedha.

### 4.2. Qilleensa Baramaafi Haala Teessuma Lafa Arsii

Haalli teessuma lafa Arsii lafa diriiraa, gaarreen, laggeeniifi bosonaa fa’a ofkeessatti kan hammateedha. Gaarreen bosonaan uffifaman naannoo lafa baddaa Arsii keessatti argaman madda bishaaniifi bakka jireenya bineensota bosonaa ta’uun kanneen tajaajilaniidha. Lafa diriiraan walqabatee, lafti diriiraan Arsii lafa bal’aa oomishaaleen Arsiin ittiin beekamtu kan akka garbuu, qamadiifi kkf biroo hedduu oomishuufi horsiisa loon madda aannan, dhadhaafi foonii ta’an horsiisuuf ooluudha. Haalli qilleensaa Arsii qilleensa baramaa oomisha midhaaan gosa adda addaatiifi horsiisa looniitiif oolu shanitti qoodama. Innis: Baddaa-qorraa, Baddaa, Badda-daree, Gammoojjiifi Gamoojjii-hoo’aadha. Olka’iinsi lafaa Arsii xiqqaan meetira 1500 gadiifi gudddaanimmoo meetira 3350 oliidha.

Baddaa-qorraan haala qilleensa naannoo gaarreen Arsii kanneen akka Cilaaloo fa’atti argamuufi kanneen biroo ofkeessatti qabata. Naannoon qilleensa kanaan beekamu haala qilleensa yeroo mara jiidhinsa qabu, kan yeroo roobnillee hinjirree hanga tokko rooba argatuufi baay’ee diilallaa’aa darbee darbee cabbiin uffifamuudha. Akkasumas, bakka laggeenirraa maddan, kan bosona qabuufi iddoo lafa diriiraa qabutti immoo midhaan akka garbuu faan itti oomishamaniidha. Baddaan immoo haala qilleensaa baddaa-qorraa kanatti aane jiru ta’ee, akka isa kanaa kan baay’ee hindiilalloofneefi midhaanota akka garbuu, baaqelaa, talbaafi kkf oomishuuf ooluudha. Badda-dareen haala qilleensa giddu-galaawaa jireenyaaf mijataa ta’e, kan baay’ee hinqorrineefi hinhoo’ine ta’ee, midhaanota gosa hundaa—keessayyuu, qamadii bal’inaan oomishuuf ooluudha. Qilleensa baramaa sadan keessattuu beelladoonni manaa kotte-duudhaafi horiin gaafaa horsiifamuu danda’u. Aanaaleen godina Arsii iddattoo qorannoo kanaa ta’an sadanuu (Aanaa Heexosaa, Diksiisiifi Muunessaa) haala qilleensa baddaa-qorraa, baddaafi badda-daree ofkeessatti qabatu. Naannoon haala qilleensa gammoojawaa ta’an qaban immoo naannoo qilleensi isaanii ho’aa ta’eefi rooba baay’ee hinqabneedha. Gosoonni midhaanii naannoo kanatti baay’inaan oomidhaman xaafii, boloqqeefi kkf fa’a ta’ee beelladoonni manaa horiin gaafaa, ra’eefi kotte-duudaa keessaa immoo gaalaafi harroonni keessa jiraniidha.

Yeroon funaansa ragaaleef Arsii turetti (10/2013-4/2015) kanin hubadhe, akkuma Oromoo biraa, Oromoon Arsii yeroo waqtiilee adda addaa (Birraafi Afraasaa) galataafis ta’ee kadhataaf, darbees yoo rakkoon jiraate malkaaleefi tulluuwwanitti baha. Akka Oromoottis ta’ee Oromoo

Arsiitti ji'oonni waggaa tokko keessa jiran waqtiilee afur kanneen Birraa—ji'a Fulbaana hanga Sadaasaa, Bona—ji'a Muddee hanga Guraandhalaa, Arfaasaa—ji'a Bitoottessaa hanga Caamsaafi Ganna—ji'a Waxabajjii hanga Hagayyaa jiru ofkeessatti qabatanitti qoodamu. Oromoon yoo waqtiileen kunneen walitti fufiinsaan dhufanii isa tokko isa ittaanutti darbu haala itti kadhatuufi galateeffatu qaba. Fakkeenyaaf, jalqabbii waqtiilee kan ta'e Birraarraa yoo kaanu, Oromoon waqtii kun yeroo waa hundi itti lalisuufi ganni ulfaataan darbuufi wanti/barri haaraan itti eegalu ta'uusaatiin waqtiilee biroorraa akka addaatti ilaaluun gammachuufi hawwiin eeggata. Akkasumas, akka Irreecha Arsii iddoolee tokko tokkootti taasifamerratti argamuun daaw'atametti, yeroo kana gahuusaatiif malkaatti bahuun Irreechaan Waaqa galateeffata. Kanas yoo eebbifatan:

*Waaqa ganna dukkana keessaa nu baaftee ifa birraa nu agarsiifte,*
*Kan facaaffannetti firii gootee nu agarsiifte galatoomi*
*Kan ija booruurraa nu hambiste ija habaaboorraayis nu hanbisi* (Yaadannoo Dirree)

Asirratti ija jechuun waan waqtii jedhame kana keessa jiru, fakkeenyaaf, yeroo gannaa wanti mul'atu roobni roobee lolaafi galoon yaa'uun lafa itti haguugu waan ta'eef, yeroo kana akka dukkanaatti ilaalu. Kanarraa ka'uun Waaqa yeroo kana keessa nagaan nu dabarsite galatoomi jedhuuni. Ija habaaboo jechuunis immoo waytii birraa lafti habaaboon miidhagdee mul'attuuf, yeroon kun yeroo habaabootii ijasaarraas nu hambisi yaada jedhu ibsuun eebbifatu. Dabalees, akka ibsa abbootaafi haawwotaafi daaw'annaan hubatametti, yeroon biraa akka isa Birraa kana Oromoon Arsii jaalatee Irreechaan bahee Waaqatti galateeffattu waqtii Arfaasaati. Waqtii Arfaasaa Oromoon Arsii iddoolee adda addaa jiru naannuma jirutti Tulluutti bahuun ayyaanneffannaa taasisuun irreeffata.

Afraasaa Waaqa bona gogaa waqtii lafti gogee bishaan horrisaa keessa sa'aa namaan nu dabarsitee jiidhaafi magariisa Afraasaa nu agarsiifte si galateeffanna, *'kan darbeef galata kan dhufuuf abdata'* ergaa jedhu dabarfatu. Akkasumas, waqtii dhufu keessaas nagaan akka nu dabarsitu si abdanna dhaamsa jedhus *'kaadhima/booruu gannaa nagaan nu baasi'* jechuun kadhatu. Kunis kan ibsu, yeroon gannaa yerootti booruun gannaa waan kamuu caalaa aangoo itti argatuudha. Kanaaf, booruu gannaa abbaa aangoo ta'e kanarraa nu hambisii kaadhima gannaa nagaan nu hulluuqsisi jechuun kadhatu. Akka namoonni yaada naaf kennaniitti, waqtii ykn yeroo

tokko darbanii yeroo irra jiran san gahuun (keessaayyuu, waqtiilee ni ulfaatan jedhamanii yaadaman: Bonaafi Gannaa darbuun) carrummaa ykn ayyaantummaa waan ta'eef, Waaqa asiin isaan gahee malkaafi tulluutti bahanii galateeffatu.

Waqtiilee arfan keessaa waqtiin Bonaa gogiinsaan, ganni immoo baay'ina roobaatiin waan sodaatamaniif Oromoon waqtiilee kanneenirra waqtii Birraafi Afraasaa filata. Yaadannoo yeroo dirree turame akka ibsutti, Oromoon *'Ganni dukkana dukkanatti ija hinbaasan'* jechuun waqtii kana obsaan dabarsuun akka barbaachisu ibsa. Gogiinsa isaarraa ka'uun immoo *'Bonnis Bona Bonarraa maaltu argama*' jechuun ibsa. Kana jechuun, waqtiileen Bonaafi Gannaa hawaasaaf faayidaa hinqaban jechuu miti. Waqtiileen martuu dabaree dabareen dhufuun hawaasaaf tajaajila mataa mataasanii kennu. Fakkeenyaaf, midhaan yeroo Gannaa roobaan biqilee waqtii Birraa asheetee bilchaate waqtii Bonaa gogiinsa Bonaatiin oomishamee gumbiitti gala. Kanas Oromoon Arsii *'Waaqa rooba gannaatiin biqilchitee, aduu bonaatiin bilcheessitee naaf laatte galatoomi'* jechuun ibsa. Kun kan agarsiisu Oromoon waqtiileen hunduu barbaachisoo ta'uusaanirraa ka'uun yeroo tokkoo gara isa ittaanutti yoo ce'u haalatti Waaqa galateeffatuufi kadhatu kan qabu ta'uusaati.

### 4.3. Bu'ura Jireenyaafi Sochii Diinagdee

Jiruufi jireenyi Arsii kan hundaa'e lafa qotuufi horii horsiisuurratti. Qonni utubaa jiruu jireenya hawaasaa godinichaa yoo ta'u, waqtii roobarratti hundaa'uun midhaan akka garbuu, qamadii, boqqoolloo, atara, baaqelaa, talbaa, xaafiifi kkf nyaata manaatiifis ta'ee gurguramanii waan alaa bitamu bituuf oolu. Midhaaniin alas kuduraaleen adda addaa akka godinichaatti bal'inaan oomishamuun nyaataafi gurgurtaaf ooluun diinagdee hawaasichaa deeggaru. Iddoo tokko tokkoottimmoo oomishni gabaa kanneen akka bunaa, barbaree, jibrii, geshoofi muduraan tokko tokko tajaajila mana keessaafis ta'ee gabaaf ni oomishamu. Midhaan oomishuuf kan gargaaran beelladoota manaa horii gaafaafi kotte-duudaadha. Fakkeenyaaf, qonni kan qotamu qotiyyoodhaani; iddoo tokkoo gara biraatti kan geejjibamu fardaafi harreedhaani. Horiin gaafaa bu'aasaanitiin gama oomishaatiin hawaasa gargaaruurra darbanii nyaataa dhugaatiifis oolu. Foon nyaatamuu, aannnan dhugamu, dhadhaan dibatamuufi nyaatamu bu'aa horiiti.

Gosoota midhaanii Arsiitti oomishaman keessaa garbuun iddoo guddaa qaba. Gosoota midhaanii keessaa qamadiinis bal'inaan oomisha. Ta'us garuu, hanga garbuu kana ija kabajaatiin hinilaalamuun dhimmoota kabajaa ittiin ooluuf hinbarbaadamu. Waa'een garbuu yoo ka'u akka Oromiyaa mitii akka Itoophiyaattu Arsiitu beekama. Fakkeenyaaf, hariiroo garbuufi Oromoon Arsii waliin qaban yoo ibsamu, 'ebelu Arsiidhaa dhufe/te garbuu nyaatee/ttee, aannan Arsii dhugdee/gee akkanatti cime/te humna qabaate/tte' jedhama. Arsiitti garbuun abbaan hiyyeessaati dafeeti hiyyeessa dhaqqaba jedhamuun ibsama. Fakkeenyaaf, namoota ragaa naaf kennan keessaa Aadde Nafiisaa Kadiir Aanaa Diksiistti akka ibsaniiti, bara 1977 ALI yeroo beelli Itoophiyaa keessatti uumame namoonni bu'aa garbuun isaaniif kennu afoolaan haalatti ibsantu jira. Innis, yeroo san rakkoo ta'ee garbuun dhabamuun namoonni raafuma faa nyaachaa, qola bunaa (ashara) fa'a danfifachaa turani. Haaluma kanaan, hawwii akka garbuun dafee hiyyeessa dhaqabuuf qabanirraa ka'uu:

*Goommana/raafuu yaa gadi butaa koo*
*Ashara (qola bunaa) yaa gadi gubaa koo*
*Anuu dhufa gahee waan hiyyeessi koo ta'e dhagayee jedhe garbuun* (Yaadannoo Dirree)

Loon/bu'aan looniifi garbuun Oromoo Arsii biratti kabaja guddaa qabu. Arsiin garbuurraa dhangaalee Arsiin ittiin beekamtu bebbeekamoo kanneen akka marqaa, caccabsaa, cuukkoo, akaayiifi kanneen biroo jiruu jireenya guyyuutiif murteessoo ta'an kanneen akka biddeenaa, farsoo/qureefi kkf qopheessa. Oromoon Arsii garbuu bu'aa loonii kanneen akka aannaniifi dhadhaa waliin walitti fiduun gosoota dhangaalee adda addaa qopheessuun jiruufi jireenya keessatti dhimma itti baha. Gosoota nyaata akka Arsiitti beekaman keessaa kan bu'aan loonii hinjirre hinjiru jechuun nidanda'ama. Nyaata akka Arsiitti keessummaa kabajaafi sirnootaaf (yoo dubartiin deesse, yeroo cidhaa, yoo namni du'ee kaaya baasan) garbuurraa qophaa'an kan akka marqaafi kanneen biroo faan bu'aa looniirratti hundaa'u.

Bu'aa loonii keessaa dhadhaan dhangaaleen ittiin qophaa'uun sirnoonni adda addaa ittiin gaggeessamuun alattis sirnoota kabajaa adda addaarratti—fakkeenyaaf, gaafa intalli heerumtu haati intalaa meeshaalee aadaa tokko tokkootti dhadhaa naquun kennitiifi. Akkasumas, aannan sirnoota adda addaarratti kabajaan dhihaachuun mijuufi dhadhaan Muudaa ta'a. Arsiitti sirni tokko erga adeemsifamee ykn hojiin tokko erga hojjetamee booda muudaan dhihaachuun addaan

tuqameeti sirnichi goolabama. Dubartiin takka erga deesse ishees ta'ee namoonni ishee bira jiran ni muuddatu. Qaama hawaasaa keessaa dubartiin yeroo hunda ni dibatti waan ta'eef, dhadhaa waliin hariiroo cimaa qabdi. Gurbaan fuudhuus yoo manaa bahu muuddatee baha; warra intalaattis kallacha muudaa jechuun gurbaafi intalas muuduun guyyaan kun kan isaanii akka ta'e ibsu. Muudaan wanti barbaachisuuf sirni akka hoofkaluuf, akkasumas, sirnichi jiidhaa ta'uusaa ibsuuf fakkoommii jiidhaa kan ta'e dhadhaa loonii fayyadamuuf yaadameeti. Darbees, namni/warri muuddatu warra abbaa sirnaa ta'uusaanii kan dhadhaa kallacha/addaan tuqatanii ittiin ofbeeksisaniidha.

Akkasumas, bu'aa loonii kan ta'e gogaan jiruu jirrenya Oromoo Arsiitiif faayidaa hedduu qaba. Gogaan soofamee tottoluudhaan faayni itti naqamee uffataafi meeshaa daa'ima dugdatti ittiin baatan ta'a. Akka Arsiitti meeshaaleen safuufi kabaja qaban gogaa looniirratti hundaa'auun hojjetamu ykn ittiin faayamu. Fakkeenyaaf, Gaadiin sa'a ittiin gaaddi'an, kan safuu qabu—haawwan yoo malkaa bu'an okolee waliin qabatan, ittilleen hirriibaa kan guyyaa cidhaa safuuf dhihaattu, hanfalaa seer-qabeessi dubartiin takka safuun godhattuufi kkf gogaa loonirraa tolfamu. Akka Arsiittii meeshaadaan safuu marti kan biqilootarraa hojjetaman haa ta'anii kanneen biroo gogaa loonii dhadhaan dhiisifame itti dabalamee faayamuun tajaajilaa adda addaatiif oolu. Akkasumas, intala heerumtu takkaafis yoo meeshaa manaa qopheessan gogaan loonii gahee guddaa baha. Kana jechuun meeshaadaan Oromoo Arsii marti bu'aa loonii kan ta'e, gogaa looniitiin faayamanii tajaajila barbaachisuuf dhihaatu jechuudha (Suuraalee 09, 10, fa'a ilaali). Gabaabumatti, Oromoo Arsiitiif loon waa hundasaati. Kanarra ka'uun Oromoon Arsii faayidaa loon isaaniif kennan yoo ibsan 'horii malee horoomni hinjiru'—gatii qabaachuun, horii malee walhorachuun, horii malee gatii qabaachuun hinjiru jechuun ibsu. Yaataafi dhugaatii Arsii keessatti looniifi bu'aan loonii gahee guddaa qabu. Arsiin gaheen loonisaaf qabu gooroowwan fokloorii—sirba, geeraraafi kkf fayyadamuun bifa adda addaatiin ibsa. Fakkeenyaaf:

*Loonirraa kaasaa cirrii*
*Loon malee hinjiru firrii*
*Gaafnisaanii waancaa ta'aa kan ittiin dhuganii*
*Gogaansaanii itillee ta'aa kan ittiin muganii'* jechuun Oromoon Arsii bakka loon jiruu jireenya hawaasa keessatti qabu ibsa (Yaadannoo Dirree).

Oromoonni bakka kamittuu loon isaan biraa hinafan waan ta'eef, bakka hundattuu haalatti loon faarfataniifi leellisan qabu. Fakkeenyaaf, turtii yeroo qorannoo sanyaabsaa hawaasa keessa turamerraa akkan hubadhetti, Arsiin homa nagaa walgaafatanuu *'alaa manni, sa'aa namni nagaadhaa'* jechuun waliyyaafatu; hawwii nagaa namaafi looniif qaban ibsatani. Oromoon Arsii loonsaa utubaa jireenyasaa waan ta'eef, akkuma nageenya isaatiif dhimmamu nagaa loon isaatiifis cinqama. Yoma eebbifatuu *'Sa'aa namaan, alaa manaan nagaa nu godhi'* jedha.

### 4.4. Aadaa

Oromoonni Arsii akkuma Oromoota godinaalee Oromiyaa biroo keessa jiraatanii aadaa mataasaanii qabu. Aadaa jechuun egaa, haala oolaa-bulii hawaasa tokkoo hunda kan dabalatu yoo ta'u, Oromoon Arsiis aadaa akka hawaasa namaatti ittiin waliigalee seeraafi daangaa uumaa-uumamaa eegee jiraatu qaba. Gochaan namni tokko akka dhiiraa ykn dubartiitti hawaasa keessatti raaw'atu sirrummaafi fudhatamummaansaa aadaafi duudhaa hawaasaarraatti hundaa'uun murtaa'a. Fakkeenyaaf, yoo namni/gareen tokko daangaa akka aadaafi duudhaa hawaasichaatti fudhatama qabu keessaa kan bahan ta'e, ija ceephootiin ilaalamuun aadumaafi duudhaa hawaasichaarratti hundaa'uun murteen itti kennama.

Oromoon Arsii marsaa jireenya keessatti aadaafi duudhaarratti hundaa'uun haalatti guyyuma namni tokko dhalaturraa qabee raaw'ilee adda addaa kutaa kutaan qoqqoodee raaw'atutu jira. Fakkeenyaaf, yeroo dhalootaa, gaa'elaafi du'aa saala namaarratti hundaa'uun gochaalee adda addaa akkaataa sirnoota kanneen waliin deemanitti raaw'atamantu jira. Yeroo dhalootaa ilmi/intalli yoo dhalatan aadaafi duudhaarratti hundaa'uun wantoonni raaw'atamaniifi akkaataan gammachuu itti ibsatan jira. Akka Waliyie (2004) Oromoo Arsiirratti hundaa'uun ibsetti, yeroo dhalootaa deechistuun daa'imni dhalate yoo dhiira ta'e yeroo shan ililfachuun namootaaf saala daa'imaa ibsiti. Yoo durba taate immoo yeroo afur ililfachuun ibsiti. Yoo dhiirri dhalatu ililleen baay'achuun, yoo dubartiimmoo xiqqaachuun dhaloonni dhiiraa kan dubartii caalaa gammachiisaa ta'uu kan ibsuudha. Ilmi intalarra leellifamuun dhalootaanis irra filatama jechuudha. Kanas, Oromoon Arsii *'beektuu intalaarra gowwaa ilmaa wayya'* jechuun ibsa.

Haalli akkanaa kun kan madde akka abbootiifi haawwotiin ibsanitti, ilaalcha *'durbi heerumtee araddaa Ormaa taati ykn durbi araddaa ormaati'* warra hindhaaltu ykn warraaf homaa hingootu

jedhurraayi. Haala kana Jalata (2013) aadaafi duudhaa Oromoo Gujiirratti hundaa'uun, Oromoon Gujii bu'a-qabeessummaa ilmaa, yeroo dhaloota ilma intalarra leellisuun ibsa jechuun kaa'a. Ilaalchi akkanaa kun akka Oromoo waliigalattis ta'ee, Oromoo Arsiitti bal'inaan mul'ata. Kanarra ka'uun Oromoon Arsii aadaafi duudhaasaa keessatti sirnoota adda addaatiinis haa ta'uu, oolaa bulii keessatti ilma intalarra caalchisuun bakka kennaafii deema. Kana jechuun, Oromoon Arsii yeruma namni tokko dhalaturraa qabuun hanga guyyaa namni tokko lubbuun darbuutti gochaalee aadawoofi duudhaa adda addaa taasisuun nama tokko/takka gulantaa jireenya tokkoo isa ittaanutti akkaataatti dabarsutu jira.

Oromoon Arsii bara durii Sirna Gadaatiin bulaa ture. Gadaan Oromoo Arsii akkuma Gadaa Oromoo godinoota biroo keessa jiranii marsaa Gadaa waggaa saddeeti saddeetiin jijjiiramu shan kan maqaaleen isaanii: Roobaleee, Duuloo/Bahaara, Birmajii, Horataafi Bichillee jedhaman qaba. Akka Gnamo (1995) kaasetti, gadaan Arsii gosarratti waan hundaa'uuf, marsaan gadaa Arsii kan Oromoota biroorraa maqaa addaati qaba. Haa ta'u malee, namoota yaada naaf kennan keessaa Abbaan Gadaa Leencoo Jiruu akka ibsanitti, Arsiitti sirni gadaa erga waggaa 150 dura sababa bittaa gabrummaa addaan cite as yeroo ammaas immoo sababa dhiibbaa amantiifi kanneen birootiin laafaa dhufee hagas mara hojjoomaa hinjiru. Akka Abbaan Gadaa kun ibsanitti, Arsiitti Gadaan erga waggaa 150 addaan cite as yeroo dhihoo—naannoo waggaa sadii kan hincaalle, keessatti reefu namoonni waan jirurraa walqorachuufi seenaa qorachuun akka deebi'uuf sochii taasisaa jiru malee, wanti qabatamaan hinjiru. Gama Oromoo Arsiitiin kun haa ta'u malee, akka abbaan gadaa Leencoon jedhanitti, gama Oromoo Tuulamaa Arsii jiraataniifi Oromoo Arsii waliin hariiroo aadaafi duudhaa qabaniitiin guutuus ta'uu baatu waggaa saddeeti saddeetiin sirni Baal'ii walharkaa fuudhuu haa xiqqaatus haa guddatus inuma jira.

Sirni Gadaa sirna Oromoo hawaasa addunyaa biratti beeksisuufi ibsu, darbees, kan Oromoon siyaasa, amantii, aadaafi waan Oromummaafi jiruuf jireenyasaatiif bu'ura ta'an hunda keessatti tikfatuufi kunuunfatuudha (Hayilee, 2014). Gadaan sirna Oromoonni dhiiraa waggaa saddeet saddeetiin sadarkaa tokkoorraa gara ittaanuutti darbaa deemaniifi waggoota saddeettan kanneen keessatti gahee mataa mataasaanii keessatti bahaaniidha (Deressa, 2003). Wanti Sirna Gadaa adda godhu, dubartootaan alatti miseensonni hawaasaa marti umriisaaniirratti hundaa'uun sadarkaalee gadaa hunda keessatti gaheesaanii bahaa kan deeman ta'uufi aangoon abbaa gadaa

tokkoorraa isa ittaanuutti karaa dimokraatawaa ta'een ayyaaneffannaan garagaraa taasifamuun kan darbu ta'uudha (Isuma). Haata'u malee, erga warri Abisiiniyaa jaarraa 19ffaa Oromiyaa weeraranii, amantaaleen Musliimaafi Kiristaanaa biyyattii keessatti babal'achuu eegalanii booda Sirni Gadaa akka duriitti karaa sirnaawaafi qindaawaa ta'een hojjoomuun hafee, darbeeyyuu hanga dagatamuutti gahe (Waliyie, 2004).

Sadarkaalee Gadaa mara keessatti miseensota hawaasaa warra dhiiraafi gaheensaanii kan mul'atuufi murteeffame ta'uu beekamaadha (Deressa, 2003). Dubartoonni warri dhiiraa yeroo Gadaa gahan gargaaruun wantoota barbaachisan guutaa akka nama tokkootti deeggarsa kennuun ala, akka warreen dhiiraa Sirna Gadaa keessatti sadarkaalee Gadaa keessaa gahee qabaachuun akka warreen dhimma qabaniitti gaheesaanii bahaa kan deeman miti. Kanaan walqabsiise kan Damusee (2012) Gadaa keessatti dubartoonni gahee dhabuun hanqina Gadaati jedhe kanuma kan mirkaneessuudha. Kun ta'us garuu, Jalata (2017) qorannoo adeemsiseen dubartiin Gadaa keessatti dhimma bulchiinsaas ta'ee, kamirratti hirmaannaa ni qabu jechuun goolabe. Akka Jalata'n kaa'utti, yaadni Gadaan Oromoo dubartoota hiree dhoorkata jedhu yaada qorannoo gadi-fagoorratti hinhundoofneedha. Dubartiin takka osoon heerumin dura yoo abbaanshee Gadaa gahu, isheen akka obboleewwanshee dhiiraa Gadaa abbaashee keessatti gaheensheen qabdu hinjiru; erga heerumteen booda immoo Gadaa abbaashee dhiisuun, hanga tokko Gadaa warra itti heerumteerratti hundaa'uun Gadaa abbaa manaashee deeggaruu malee gaheen isheen qabdu hinjiru. Kun kan Jalata (2019) himaannaafi gaheen dubartootaa osoon heerumni abbaa, erga heerumanii immoo abbaa manaa jalatti murtaa'a jechuun kaaseen kan deeggaramuudha.

Ilmi dhiiraa tokko haa fuudhus haa fuudhuu baatus, gaafa abbaansaa Gadaa gahurraa eegalee sadarkaalee Gadaa keessa darbuun gaheesaa bahaa deema. Ilmi dhiiraa tokko waggaa afurtaamaan Gadaa abbaasaa duuba jira (Sumner, 1995). Oromoon Arsiis akkuma Oromoo kamiituu Sirna Gadaarratti hundaa'uun jiruu jireenyasaa qajeelfachaafi adeemsifachaa ture; akka duriittis ta'uu baatu ammaas hawaasni godinichaa Gadaadhaan bulaa jira.

Sirni Gadaa kan abboonni gahee keessatti qabaatan yoo ta'u, sirni biraa immoo kan haawwoliin gahee adda addaa keessatti bahan Sirna Siinqeeti. Siinqeen meeshaa ulfoo haawwoliin Oromoo qabataniifi dhimmoota garagaraa ittiin raaw'ataniidha. Siinqeen muka/ulee qal'oo bareeddee

diimatte tolfamte, kan dubartiin takka yoo heerumtu haatii ishee kabajaafi safuun kennituuf; kan dubartoonni heeruman yeroo sirnootaafi dhimmoota adda addaa—dhimma aadaa, hawaasummaa, amantii fa'arrtti qabatan, yerootti hinfayyadamne immoo dhadhaa muudamaa kabajaan boroo teessuudha (Kumsa, 1997). Siinqeen meeshaalee ulfoo Oromoonni ulfeeffataniifi safeeffatan keessaa takka.  Damusee (2012: 158) Siinqeen meeshaa ulfoo dubartootaa ta'uufi dubartiin Siinqeen baates kan wayyooma qabdu ta'uu yoo ibsu:

> "Siinqeen kabaja, saalfiifi sodaatama guddaa qabdi. Akka ulee biroo Siinqee horiin hintiffatan, sareen hindarbatan, fardaan hindhayan, harree ittiin hinoofan; akkasumas, dugdaaf hindhadhaabbatani. Seeraaf qabatan (ittiin seereffatan), wayyuuf, wayyoomaaf qabatani. Kanaaf, dubartii Siinqee qabatte ni sodaatan, ni kabajan. Fakkeenyaaf, dubartiin Siinqee qabattee karaarratti namatti dhufte, nama hoofkalchitu malee bira hindarban, malkaa ishee dura hince'an"

Siinqeen meeshaa ulfoo dubartootaa ta'uun akka Damuseen jedhutti, Oromoo Arsii keessatti dhiirri Alangee qabatee murtiif bahu dubartiin Siinqee qabattee murtiif baati. Siinqeen meeshaa ulfoo dubartoonni mirga isaanii ittiin eeggatan, darbees kan yoo mirgi isaanii sarbame ittiin mormataniifi meeshaa fakkoommii aangoo dubartootaa agarsiistuudha (Kumsa, 1997; Adem, 2017). Rakkooleen gama uumamaas ta'ee namtolchee yoo hawaasa muudatu, dubartoonni fakkeenya hanfallaafummaa (gara-laafummaa) waan ta'aniif, Siinqee qabatanii bahuun faaruu Ateetee faarsaa Waaqa kadhatu.

Akka Oromoo Arsiitti, Ateeteen ayyaana dubartiiti; ayyaana dubartiin sa'aa nama, alaa mana isheef itti kadhattu, kan akka hormaanniifi fayyaan sa'aa namaa qajeeluuf itti kadhatuudha. Haawwan sirna Ateetee kan godhatan raaw'ilee adda addaa kanneen akka Ateetee facaaffachuu, yeroo Siinqee qabatanii sirnoota adda addaarratti hirmaatan faaruu Ateetee faarfachuudhaani. Akka afgaafii haawwotii waliin taasifamerraa hubachuun danda'ametti, Ateetee kan godhattu ykn kan faacaaffattu dubartii heerumtee bultii godhatte takka. Ateeteen ayyaana dubartii ta'uu, ayyaana dubartiin yeroo bal'inaas ta'ee yeroo dhiphinaa Waaqa ittiin galateeffattuufi kadhattu ta'uu Oromoo Sikkoo-Mandoos ta'ee kan biraa biratti beekamaadha. Yeroo durii dubartoonni

Sikkoo-Mandoo Ateetee facaafachaa kan turan ta'uu hawwoonni ni ibsu. Haa ta'u malee, yeroo ammaa Ateetee facaaffachuun sababa amantiirraa ka'een ykn gama Shariyaatiin waan dhoorkamuuf hinjiru.

Dubartoonni Sikkoo-Mandoo dhiibbaa amantii alaa dhuferraan kan ka'e waa'ee Ateetee hanga tokko kan kaasan yeroo malkaa bu'an faaruu Ateetee adda addaa faarsuun, yoo dubartiin deessu kadhaachuun fa'a malee facaaffachuun miti. Kana qofa osoo hintaane, sirnumti kanaan hariiroo qabu, wayyooma dubartii deessee agarsiisuufi da'umsaan walqabatu Sirni Qanafaas akkuma kana dhiibbaan irra gahee hafaara. Qanafaan meeshaadaa wayyooma agarsiisu kan dubartiin deesse takka deessee gaafa nafa dhiqatturraa qabdee saala daa'ima deesseerratti hundaa'uun yoo dhiira deesse ji'a shaniif, yoo dubartii deesse immoo ji'a afuriif addarratti hidhatuudha. Turtii dirreerraa akkan hubadhetti, haawwan akkuma Ateetee hormaata sa'aa namaatiif kadhatan, yoo Siinqee qabatanii bakka adda addaatti bahanii faaruu Ateetee faarfatan kanuma keessa dubartiin ilmoo hinqabne yoo isaan keessa jiraatte isheefis akka dhala argattu kadhataniifi. Fakkeenyaaf, haawwan yoo rakkoon uumamaa jiraate Waaqa kadhachuuf malkaatti bahan dubartii tanaafis achumatti kadhatuufi.

Rakkooleen uumamaa hawaasa muudatan rakkoo hanqina roobaan dhufu rakkoo hoongeefi rakkoo baay'ina roobaa ykn rooba yeroo malee ta'uu mala. Yeroo kana dubartoonni Siinqee qabatanii malkaatti/tulluutti bahuun Waaqa kadhatu. Yeroo baay'ee rakkoo baay'ina roobaa caalaa rakkoo hanqina roobaatu hawaasa miidha waan ta'eef, haawwan yoo rakkoon kun hawaasa muudatu Malkaatti bahuun kadhatu. Akka marii haawwan waliin taasifamerraa hubatametti, malkaatti yoo baban Siinqee, bacoo urgooftuu, aannan Okoleetti, Gaadii loonii qabatanii Malkaa duudanii yeroo shan ililfatu. Akka haawwan ibsanitti, nyaataafi dhugaatiin qabatanii bahan kabaja bakka sanaaf dhangaa qabachuusaaniiti ibsa. Elemtuun looniin walqabata waan ta'eef, jiidha ibsa. Kanaaf, isaanis Waaqan nuuf jiidhi nu jiisi jechuufi. Gaadiin immoo buubaa naalcha waan ta'eef, Waaqa keenya nuuf naali, yoo nutti mufattellee nuti gaadii kanaan siqabnee nuuf araarami, waan hamaa immoo nurraa gaadi'i jechuufi. Akka ibsa haawwaniiti, yoo kana wanti/faaruun jedhanii kadhatan:

*Malkaannanaa nooree*
*Malkatni kee nagayaan oole,*

*Malkatni keenya kanaa nooree,*
*Malkatni keenya kanaa roobee,*
*Roobee haa lola'uuf,*
*Manda'ee haa gumgumuuf*
*Haajaan akka nuu dhumuuf*
*Roobii mara jiisi*
*Teenya san dhiisi*
*Odaa jalatti dheessee*
*Rabbii kanaan nu geessee*
*Ati nu hiikii* (Yaadannoo Dirree)

Faaruu kanarratti, malkaannana nooree jechuun haawwonni akkuma dura malkaa gahaniin kabaja malkaa sanaaf qaban ibsuu agarsiisa. Malkatni kee jechuun mallattoon kee, wanti ati qabdu marti nagaa qabaa? Malkatni keenya kanaa nooree jechuun akkaataan nuti itti sitti dhufne kana fakkaataa (kabaja qaba), cubbuullee qabaannu ulfoo qabannee ulfinaan sitti dhufnee, waan sirraa barbaadnu (rooba) immoo, rooba roobee dirree jiisu, kan haajaa teenya mara nuuf guutu argachuu barbaanna yaada jedhu ibsa. Akka haawwotiin yaada naaf kennan ibsanitti, yoo haala kanaan malkaatti bahanii kadhatan yoma san roobni rooba. Yeroo Waaqni roobe isaan immoo rooba jalaa hindheessani; '*badhaasoon keenya nu badhaasee roobee nuu dhangalaasee'* jechuun faaruun galateeffatu. Yoo rooba roobee laga keessa bishaan yaase itti duudanii dhaqachuun Waaqa roobaan gaaffii isaaniif deebise coqorsa jiidhaa qabatanii elelfachaa irreeffatanii galata galchanii galu.

Yoo rakkoo namtolchee (waraana) Siinqee qabatanii bakka rakkoon itti uumame deemanii rakkicha hiiku. Dubartiin Siinqee qabattee qaamota waldhaban ykn walwaraanuuf jedhan san gidduu buutee yoo itti elelfattu akka aadaa Oromoo Arsiitti, qaamonni lamaanuu walwaraanuu dhaabuun nageenyi bu'a. Haa ta'u malee Sirni Siinqee akkuma duudhaa Oromoo Arsii biraa yeroo ammaa amantiifi sababoota biroorraa ka'uun xiyyeeffannoofi ilaalcha dur qabdu hinqabdu. Kana jechuun yeroo ammaa Siinqeefi tajaajilli Siinqee guutummaan hafe jechuu osoo hintaane, hanga yeroo amma duraa xiyyeeffannoofi kaawoo dhabu, darbee darbee hanga tokko tajaajila kennaatuma jira. Fakkeenyaaf, namoota ragaa naaf kennan keessaa akka Aadde Faaxumaa Kadiir naaf ibsitetti, Onkoloolessa 2012 A.L.I Aanaa Heexosaatti amantiifi siyaasaarratti hundaa'uun walitti bu'iinsi uumamnaan haawwoliin Siinqee bahanii osoo rakkoon kun badii guddaa

hidhaqabsiisin dhaabsisani. Kanas haawwoliin Siinqee elelfachaa qaama dallanee lolaaf bahe fuuldura goruun Siinqee olkaasanii qabachuun faaruu:

*Qanafaan hindheessaa*
*Qeerroo, qarree, hayyuu*
*Maaloo Rabbitiin si dheessaa*
*Eejersa jaboo jaboo lafa gaaraa*
*Waan jabaatellee Rabbuu nu gargaaraa*
*Mee araaraa* (Yaadannoo Dirree)

Haala kanaan qaama lolaaf bahe san maqaa dhahuun itti ililfatanii kadhachuun dhimmicha furanii araara akka buusan kaaste. Akka aayyon ragaa kennite tun eertetti, dubartoonni garuma laafinuma isaanitiin Waaqa kadhatanii deebiin galu. Haawwonni namoota waraanaan badii guddaa biyyarraan gahuuf karoorfatan akkuma faaruurraa mul'atu, 'Rabbiif jedhaa lola kana dhaabaa' jechuun hadaranii dhiphina furani. Kanaan walqabatee akka Damuseen (ff: 158), "…dubartii rakkattee Siinqee qabattee kadhaaf baate waan harkaa qaban hindhoorkatani" jechuun kaa'a. Kun kan agarsiisu, akka Oromootti, keessayyuu, Oromoo Arsiitti, dubartiin Siinqeen baate Waaqa durattis, nama durattis dhageettii qabdi, deebiin galti jechuudha.

Siinqeen haawwan Arsii dhimmoota adda addaatiif fayyadaman gosoota adda addaa qabdi. Kunis, Siinqee yeroo bal'inaafi dhiphinaa qabatamtu jedhamuun faaya itti naqamuun adda addummaa qabdi. Haala kanaan akka daaw'annaa Godambaa Aanoleetti waxabajjii 19/2014 taasifameefi afgaafii yeroo daaw'annaa ittigaafatamaa godambichaa Obbo Muhaammad waliin taasifameerraa hubatametti, Siinqeen yeroo itti qabatamtuufi waan ittiin faayamtuurratti hundaa'uun Siinqee Gaa'elaa, Siinqee Ayyaanaafi Siinqee Falaa jedhamuun bakka saditti qoodamti.

Siinqeen gaa'elaa kan haati yoo intala ishee heerumsiistu meeshaadaa Baarree jedhamu waliin kennituufiidha. Meeshaadaan Siinqee waliin intalaaf kennamtuufi waa'een Siinqee kutaa Sirna Fuudhaa Heerumaafi Fakkoommii jalatti bal'inaan dhihaate waan ta'eef, asitti baay'ee jechuun hinbarbaachisu. Daaw'annaa Godambaafi Irreecharratti haawwolii Siinqee gaa'elaa qabatanii bahanirratti taasifameen, Siinqeen gaa'elaa akka ishee biraa faayamtee ykn wantoonni adda addaa (gogaan faan) itti hidhamee waan dhihaattu miti. Haa ta'uutii Siinqee haawwoliin irreecharratti qabatanirraa daaw'achuun akka danda'ametti, yeroo tokko tokko Siinqeen tun

calleen faayamuun warra kaanirraa adda taatee yeroon itti mul’attu jira. Asirratti wanti hubatamuu qabu, haawwan malkaafi tulluutti yoo bahan Siinqee falaa kan qabatanis ta’u, darbee kanneen Siinqee Gaa’elaa qabatanii bahan kan jiran ta’uudha.

Siinqeen ayyaanaa kan haawwotiin yeroo ayyaanota adda addaarratti hirmaatan qabataniidha. Haawwoliin yeroo irreechaaf malkaa bu’an, yoo ateetee godhataniifi wadaaja bulfatan Siinqee tana qabatanii sirnoota kanneen raaw’atu. Akka yaadni afgaafii ittigaafatamaa Godambaa Aanolee waliin taasifame ibsutti, Siinqee tana wanti warra kaawwanirraa adda godhu, gogaan horii yeroo ayyaanonni kunneen kabajaman qalaman osoo hinbaay’atin mataa Siinqee tanaarratti kan hidhamu ta’uudha.

Siinqeen falaa immoo kan haawwotiin yeroo rakkooleen adda addaa hawaasa muudatan qabatanii malkaafi tulluu ykn iddoo rakkoon itti uumame deemanii Waaqa kadhachuun rakkoo san itti furaniidha. Akkasumas, yoo mirgi dubartootaa sarbame qaama mirga dubartii sarbe san adabanii mirga dubartittii itti deebisaniidha. Siinqeen tun Siinqee Falaa ta’uusheerraa kan ka’e, Falaarratti yeroo baay’ee horiin waan qalamuuf, gogaa horii qalamerraa muruun Siinqee tanatti hidhu. Kanaaf, Siinqeen tun akka yeroo daaw’annaa Godambaa Aanoleerraa hubatametti, kan ayyaanaa caalaa gogaa baay’ee ofirraa qabdi. Rakkooleen hawaasa muudatanii Siinqeen tun bahuun furmaataa argatan rakkoolee uumamaafi namtolchee ta’uu malu.

### 4.5. Amantii

Osoo akka ammaa amantaaleen biroo biyyoota alaarraa gara biyya keenyaa hingalin Oromoon amataa mataasaa ganamaa kan hariiroo Waaqa waliin itti cimsatu qaba ture. Amantaan ganamaa Oromoo kan Waaqeffannaa jedhamu dhufaatii amantaalee Kiristaanaafi Islaamaa dura Kaaba-baha Afrikaatti beekamaa ture (Ta’a, 2012). Oromoo Waaqa tokkicha samii gubbaa, Uumaa uumamoota Hawaa kanaa kan ta’e isa jechuun amana. Waaqni samii kan hundaa oliifi abbaa Hawaa ta’uusaa Ta’a’n yoo ibsu: “A sky God is essential to the Cushitic religion as the Supreme Being and Father of the Universe” (Isuma: 91), jechuun kaa’a. Akkasumas, Ta’a (Schmidt, 1937) waabeffaachuun amantaan Oromoo Waaqa tokkichaattii kun ilaalcha hawaasaa isa ganamaa hinfaalamin Waaqa tokkichatu jira jedhu mirkaneessa jechuun ibsa. Amantaan Oromoo seera Uumaa uumamaarratti hundaa’uun, namaafis ta’ee uumamoota hundaaf kabajaafi ulfina

walqixaata qaba, amantaa madda walqixxummaa ta'eedha (Ta'a, 2012). Ilaalchi Waaqeffannaa Oromoo wantoota sadi: Ayyaana, uumamaafi Safuurratti bu'uraawa (isuma). Isaan kanneenirratti hundaa'ee namniifi uumamoonni daangaasaaniif kenname eeganii jiraatu. Kun ta'uu baannaan akka ilaalcha Oromootti, namni waan ta'uufi tuqamuu hinqabne tuquun cubbuu hojjete akka seera Waaqaa cabseetiifi safuu hawaasaa balleesseeti, darbees akka jeeqeetti ilaalama (Gebissa 2016). Egaa, haalli kun Oromoo Arsii birattis akkuma kanaan ilaalama ture.

Haata'u malee, yeroo ammaa Oromoon amantiisaa ganamaa kana hangam qabatee jira kan jedhuuf sababa dhiibbaa keessaafi alaarraa kan ka'e hanga isa durii kan gahu miti (Mohammed, 1990); Oromoo Arsii biras kanumatu jira. Dhiibbaan keessaa wantoota akka ammayyummaa fa'arraa kan ka'e Oromoon Arsii aadaafi duudhaa ganamaatiif bakka kennuu dhiisuu eegale. Dhiibbaan alaa immoo yeroo ammaa Oromoonni Arsii amantaalee adda addaa kanneen biyyoota alaarraa dhufan fudhatanii jiru. Isaanis, amantaa Kiristaanaa, Islaamaafi kanneen biroo yoo ta'an, Oromoo Arsii harki baay'een hordoftoota amantaa Islaamaati. Oromoon Arsii baay'een hordoftoota Amantii Islaamaa ta'uun duudhaafi amantii ganamaa Oromoon hordofaa turerratti akka dhiibbaan uumamu taasise. Kanarraa ka'uun warri hordoftoota amantii Islaamaa ta'an kunneen amantichatti cichuun ofiisaanii miti namoota amantii Oromoo ganamaa hordofan akka nama seera Waaqaa cabseetti ilaaluun komatani. Fakkeenyaaf, namoota ragaa naaf kennanirraa akkan adda baasetti, abbootiifi haawwotii duudhaafi amantii Oromoo leellisan—irreechaafi muuda deeman, sirna Gadaa hirmaatan faan warra amantaa alaa dhufe hordofaniin waan tokko tokko (isin bakka awwaalaa hinqabdan) jedhamuun dhiibbaan irra gaha. Dhiibbaan akkanaa jiraatus warreen kunneen gochaalee amantaasaanii ganamaa keessatti raaw'atamaniifi fedharratti qaban kan jiruufi jireenya isaanitiif bu'ura ta'an, haala garagaraatiin yoo raaw'atan mul'atu.

Yeroo turtii dirree dhimmi biraa ani hubadhe, waqtiilee Birraafi Afraasaa keessa Irreechaafi Ayyaanneffannaa adda addaatiifis haa ta'uu rakkoo jiruuf Waaqa kadhachuu malkaafi tulluutti bahu. Ummanni Arsii waqtii Birraafi Afraasaa—keessaayyuu, yeroo Birraa aanaaleefi gandoota adda addaa keessatti hawaasni akkaatuma hariiroo qabuun iddoo mijatufiitti waliin bahee irreenfata. Akka Arsiitti, irreechi Birraa kan eegalu aanaaleefi gandoota tokko tokko keessatti Fulbaana kudha torba Ayyaana Masqalaatiin walqabateeti. Irreecha malkaaleetti irreefataman keessaa akkan Fulbaana 28/2014 Irreecha Malkaa Booruu Aanaa Heexosaatti irreeffatamerratti

argamuun daaw’adheetti, dhiiraa dubartiin meeshaalee ulfoofi marga qabatanii faarfachaa gara malkaa irreechaa deemu. Akkasumas, yeruman dirree ture daaw’annaa gartokkee Aanaa Heexosaa, Diksiisiifi Muunessaatti taasifameen akkan hubatametti, Arsiitti waqtii Birraas ta’ee Afraasaa keessa namoonni fedhii qaban akkaatuma humna isaanitiin ayyaantuwwan waliin iddoolee ulfoo fagoofi dhihoo jiranitti bahu. Fakkeenyaaf, warri danda’e hanga Dirree Sheekanaa Huseenitti fa’a deemuun, warri hindandeenye immoo malkaafi tulluuwwan ulfoo naannoo jiranitti bahuun muudaafi sirnoota adda addaa raaw’atu. Kun kan agarsiisu, Oromoon hanguma fedhellee amantaalee alaa dhufan kan hordofu yoo tahe, amantaan ganamaa inni beekuufi itti amanu biraa hinhafu. Kunis, warri haala kanaan jiraatan kunneen amantaalee fudhatan kana akkaataa duudhaafi aadaasaa waliin walsimsiisanii walbira dhimma itti bahaa jiru.

### 4.6. Hariiroo Firoomaafi Warroommii

Hariiroon hawaasaa karaalee garagaraatiin ijaarama. Isaanis, karaa maatii, karaa fuudhaa heerumaa (warroommii) fi karaalee hariiroo hawaasaa biraatiin ta’uu danda’a. Hariiroon hawaasni karaa maatii qabu hariiroo dhiigaarratti hundaa’eedha. Kunis, miseensonni maatii tokko keessa jiran firummaa dhiigaa kan qaban kan akka haadhaafi ijoollee, abbaafi ijoollee, obboleettii/obboleessa, eessumaafi adaadaa, akkawoofi akaakkayyuu, firoottan dhihoo gama abbaafi haadhaatiin jiran mara hammata. Ijoollee haadhaafi abbaa tokkorraa dhalataniif firoottan gara abbaafi haadhaa keessaa kan bakka guddaa qabu firoottan gara abbaati. Sababnisaas, hawaasa keessatti dubartiin warrashee dhiistee heerumaan gara gosa abbaa warraatti waan galtuuf, akka aanaafi kan ofiitti hinilaalamtu; ijoolleen ishees gosasheetiin hinwaamamtu (Kasim, 2017; ጥላሁን, 2007).

Intalli gosashee keessatti akka alagaatti ilaalamurraa kan ka’e, firri gara haadhaa fira gara dubartiitiin jiru hanga ta’etti, hanga fira gara abbaatiin jiruu akka aanaatti hinfudhatamu. Warris intala isaanii akka gosasaaniitti hinilaalani; hinabdatanis. Intalli araddaa ormaati maal nuuf gooti *‘waa sooddu nuuf dhaabdii’* jedhu. Akka Oromoo Arsiitti yoo warri du’e kan Soodduu dhaabuun eenyummaa warraa mul’isu, jiru jechuu warraa mul’isu ilma malee intala miti. Ilaalchi Soodduu dhaabuu jedhu kun meeshaadaa Soodduu jedhamu awwaalarra dhaabuu qofa osoo hintaane, ebelummaa warra tokkoo mul’isuun yoo warri tokko lubbuun darbellee ilma maqaa

isaan dhoofsisu qabaachuu mul'isa. Kanarraa ka'uun Arsii ilma yoo ibsu 'Ilmi Dawoo keenyaa, Sumsumaa keenya' jechuun ibsa.

Haaluma kanaan yeroo baay'ee Oromoo Arsiis ta'ee kan biraa akka ilmoo durbaa qabaatan hinfedhani. Kanammoo wantoota adda addaa keessatti ilma intalarra caalchisuun, faarsuufi leellisuun ibsu. Fakkeenyaaf, afoola—eebba, sirba, mammaaksaafi kkf fayyadamuu ibsu. Kanarraa ka'uun Arsii ilma yoo ibsu *'Ilmi Dawoo keenyaa, Sumsumaa keenya'* jechuun ibsa. Ilmi Dawoodha jechuun, Dawoon waan hamaarraa nama gaaddideessa kan jedhuurratti hundaa'ee yoo warri osoo lubbuun jiru dadhabe ilmi gaaddisa keenyaa isatu nu gargaara jechuufi; darbees yoo lubbuun darban immoo qa'een teenya akka qayisa hintaane isatu nuuf gaaddideessa jechuufi. Ilmi sumsumaa keenya jechuun immoo akkuma namni tokko sumsumaa dhaabbate (miila sadiin) jechuun bultii jaarrachuu ibsu, ilmis akkuma sumsumaan waan dhaabbate ibsu, qa'ee warraa dhaaba; asturanii isaanii mul'isa jechuudha. Ka'umsi kanaa Oromoos dabalatee (Megerssa & Kassam, 2019), ummanni addunyaa baay'een sirna bulchiisa dhiiraa/abbaarratti hundaa'ee ijaarame waan hordofaniifi (Kasim, 2017). Sirna bulchiinsa dhiiraarratti hundaa'a jechuun wanti hunda dhiiraan kan hoogganamuufi daandii dhiiraarra deemu jechuudha.

Fuudhaa heerumarratti Oromoon Arsii intalli ni gurguramti, ilmi immoo ni fuudha jedhamuun akka ibsaman Badhaasoo (2000) kaa'eera. Badhaasoo akka jedhutti, ka'umsi jecha intala gurguruu jedhuu kun maal akka ta'e gaafachuun fakkeenya kaasuun ibsa. Fakkeenya kaase keessatti, warri ebeluu intala gurgure yaada jedhu kana yaada namni tokko horii gabaa baasee gurguru waliin walbira qabee, namni tokko horii wayii qarshiitti yoo gurgurate, horicha qarshiin jijjiirratee jira. Kanaaf, horicha lammata hinargu. Akkuma kana warri ebeluu intala gurgurate yoo jedhamu isa horii gurguruu kanaan walfakkaataa? Intalti takka erga heerumtee warraan walinargituu? Yaada jedhu kaasuun walbira qabee ibse. Badhaasoo yaadni namni birmaddummaafi bilisummaa qabu akka horiitti ni gurgurama jedhu kun ta'uu akka hinqabneefi tarii aadaa keessatti waan jedhameef qabachuu waan maluuf, qorannoo addaa akka barbaadu ibse. Yaada intala gurguruu jedhu kana abbootaafi haawwotiin akka ibsanitti, akka aadaafi duudhaa Oromootti intalli kan gosa keessaa dhalattee osoo hintaane, kan gosa itti heerumtuuti.

Kanarraa ka'uun warri intalaa intalli isaanii gosa isaanii waan hinlakkoofsifneef, yoo intala heerumsiisan 'intala gurgurre' jechuun ibsu.

Hariiroon karaa fuudhaa heerumaa ijaaramu dhiiraafi dubartiin, takka warrisaanii lamaan ykn isaanumti lamaan waljaalachuun ykn karaalee fuudhaa heerumaa birootiin waliigaluudhaan akkasaan warrooman kan godhamuudha (Badhaasoo, 2000). Gosoonni sirna fuudhaa heerumaa Arsiitti beekaman: Gabbara (Kadhaa), Dhaala, Membeetoo, Irra-dhaabaa, Buttaafi Aseennaa faadha (Boqonnaa shan kutaa 5.2.1 ilaali).

Sirna gaa'elaan bultii ijaarrachuu keessatti akka Arsittii dhiirri tokko qabeenya qaburratti hundaa'ee dubartii lamaafi ishee olwaliin bultii dhaabbachuu danda'a. Qabeenya qaburratti hundaa'uun jechuun, dhiirri tokko qabeenya ittiin bulchu yoo qabaate dhiirri tokko haadha warraa lamaafi isaa fuudhuun mirgasaa akka ta'e kan ibsuudha. Dhiirri tokko dubartii takkaa olfuudhuun wanti barbaachisuuf, olaantummaasaa mirkaneessuufi kunuunsa gaarii argatee jiraachuufi. Darbees, akka abboonni ibsanitti, dhiirri tokko haadha warraa takkaa olfuudhuun wanti barbaachisuuf, yaaddoo haadha warraa takka qofa qabaatee yoo akka tasaa ishee dhabe itti dhufu jalaa bahuufi. Kana ibsuuf, wanti bifa mammaaksaatiin hawaasa keessatti jedhamu kan turtii dirreerraa argame: "*Namni ija takkaa ballummaarraa fagoo miti, Namni niitii takka qeerrummaarraa fagoo miti"* (AFG (Afgaafii): Dammoo Galatoo, Aanaa Heexosaa, waxajjii, 2015) kan jedhuudha. Ilaalchi akkanaa kun kan mul'isu, haadha warraa takkaa olfuudhuun kan jajjabeeffamu ta'uu agarsiisa.

Dhiiraafi dubartiin karaa gaa'elaatiin warroomuun dura akka aadaafi duudhaa Arsitti gosa qorachuutu jira. Aadaafi duudha Oromoo Arsii keessattis akkuma gosa Oromoo biraa fuudhaa heerumni gosa walfakkaataa keessatti hinhayyamamu (Gnamo, 1995). Akkasumas, firoomni dhiigas hanga abbaa torbaatti qoratamuun adda baha. Kun ta'us, akka Gnamo ibsetti, yeroo ammaa Oromoon Arsii hordoftoota amantaa Islaamaa ta'uusaanitiin, ilmi tokko akka seera amantichaatti intala adaadaasaa—obboleettii abbaafi haadhaa, garuu kan akka duudhaa Arsiitti dogoggora ta'e fuudhuu danda'a. Barsiifni amantii Oromoon Arsii hordofu haala kanaan ta'us garuu, Arsiin baay'ee hojjoomsaa hinjiru (Isuma). Yeroo turtii dirree afgaafiifi sirna fuudhaa heerumaa daaw'achuudhaan akkan hubadhetti, seerri sirni fuudhaa heerumaa Arsii ittiin

adeemsifamu kan Oromoo ganamaafi haala kan amantaan (Shariyaa) walkeessa makaa ta'eeni. Haaluma kanaan akka Philips & Jones (2005) faan, seera Shariyaarratti hundaa'uun dhiirri tokko haala qabeenya qabuurratti hundaa'uun dubartoota ykn haadholii warraa lamaafi isaa olfuudhuu danda'a jechuun ibsanitti, Arsiitti wanti ta'aa jiru kanuma.

Hariiroon karaa fuudhaa heerumaa uumamu, hariiroo namoota lamaan walfuudhaanii qofa osoo hintaane, hariiroo warraafi gosoota intalaafi gurbaa gidduutti uumamuudha. Hariiroo kanarratti warreen lamaan gidduutti soddoomni ijaaramuudhaan wantoonni raaw'atamuu qaban gama lamaaniyuu adeemsa sirrii ta'een raaw'atamuun, kabaja walii kennuun barbaachisu walii kennuun walsafeeffachuun wayyoomaan waliin bulu. Mammaaksi kana ibsu kan hawaasa Oromoo biratti beekamuufi walitti dhufeenyi soddaa waliin uumamu kan daangaa ykn wayyooma qabu ta'uu ibsu: *'Soddaan sodaadha'* kan jedhuudha. Mammaaksa kanarratti dhugumaan soddaan kan sodaatamuudha, jechuuf osoo hintaane, daangaan soddoonni lamaan waliin qaban kan kabajamu ta'uu ibsuufi.

Keessaayyuu, kabajni warri gurbaa warra intalaaf kennu guddaadha. Sababni kanaa, hawaasa keessatti durbi/dubartiin akka qabeenyaatti ilaalamti waan ta'eef, warri gurbaa gosni intalaa qabeenya isaaniiti nuuf kennan jedhanii yaadurraan bifa addaatiin kabaju. Waliin jireenyiifi wayyoomni soddoonni waliin qaban kun yeroo baldhinaafi dhiphinaa walbira dhaabbachuus ofkeessatti hammata. Fakkeenyaaf, yeroo soddaa gama tokkoorraa namni du'e soddaan gama tokkoo daakuufi dhadhaa qabatee dhaquun marqee, yoo danda'e immoo qalee Kaaya baasee gala. Kana gochuun kajaba warra sanaaf qaban ibsuufi isin waliin jirra jechuufi. Haalli akkanaa kun akka aadaafi duudhaa Arsiitti wayyoomaan ibsama. Innis, soddaan wayyuudha, soddaatiin wayyuudha jedhama.

Ilaalchi wayyoomaa aadaafi duudhaa Arsii keessatti beekamu kun waan Arsiin kabajuufi safeeffatu maraaf oola. Akka yeroo dirree qorannoo turame hubatameetti, abbootiifi haawwotiin marii waliin adeemsifame haasaa isaanii keessatti waan ibsan mara wayyooma qaba jechuun ibsu. Fakkeenyaaf, yoo waa'ee Uumaa uumamaa dubbatan Waaqni wayyuudha, lafti wayyuudha, abbaan wayyuudha, haati wayyuudha, durbi wayyuudha, dubartiin wayyuudha, malkaan wayyuudha, tulluun wayyuudhaafi kkf jechuun kabaja waan hundaaf qaban ykn Uumaa

uumamani wayyooma kan qaban ta'uu ibsaa deemu (MGX (Marii Garee Xiyyeeffannoo): Aanaa Heexosa, Waxabajjii, 2013). Jechi wayyooma jedhu aadaafi duudhaa Arsii keessatti namoonni Uumaa uumama waliin, ofuma mataasaanii waliin hariiroo sirriifi fudhatama qabuun akka jiraatanirratti kan hundaa'eefi qaamni kabajamuufi safeeffatamuu qabu ulfinni maluuf kennameefii akka jiraatuufi.

Karaan Oromoo biratti hariiroon ittiin ijaaramu inni biraa Guddifachaafi Moggaasaadha. Hariiroo hawaasummaa keessatti Sirni Guddiffachaafi Moggaasaa iddoo guddaa qaba (Hayilee, 2014). Akka Hayileen ibsetti, Oromoo biratti guddifachaafi moggaasaan kan adeemsifamu, yoo namoonni walfuudhaan tokko karaa uumamaatiin dhala dhaban, kana bakka buusuuf, karaa seera-qabeessa ta'een daa'ima nama biraa—fakkeenyaaf gosa/fira keessaa ykn alagaa guddifachuun kan ofii taasifatu ykn moggaafatu. Akka Hayileetti, kaayyoon Guddifachaafi Moggaasaa inni guddaan maatii ilmoo dhaban jalqabarratti, firoottan isaanirraa akka ilmoo argatan godhuudha. Yoo kan firaa dhabame immoo alagaarraas karaa seera-qabeessa ta'een Sirna Qanafaatiin akka guddiffatan ni taasifama.

Wanti maatiin ilmoo dhabe tokko akka guddifachaan ilmoo argatu itti taasifamu, maatiin kun nama boru bakkasaanii bu'uun isaan dhaalu akka argataniifi. Kanarratti, sirna bulchiinsa dhiiraarratti (patriarchy fi patrilineal) hundaa'uun qa'eetti hafuun kan warra dhaalu ilma waan jedhamuuf, yeroo baay'ee kan maatiin tokko guddiffachaan moggaafatu intalarra ilma (Adamec & Pierce 1991; Hayilee, 2014). Hayileen akka kaa'etti, darbee darbees yeroon intala itti guddifatan hindhabamu. Yaada kanarraa ka'uu, yeroo baay'ee maatiin tokko ilmoo durbaa qabaatee ilma yoo dhabe, guddifachaaf mana biraa dhaquu danda'a jechuudha.

Guddiffachaan maatii ilmoo dhabee jiruu bifa kanaan kan ta'u ta'ee osoo jiruu immoo, gama biraatiin namni dhuunfaan ykn gosni Oromoo hinta'in tokko fedhiifi jaalalasaatiin gosummaa/lammummaa Oromoo itti argatuudha. Sirna moggaaffachaatiin nama yeroo wayii sababa wayiitiin biyya ykn gosasaarraa fagaatee naannoo gosoota biraa bira jiraatu tokkotu gosoota bira jiraatu keessaa tokko filachuun akka moggaafatan gaafachuun itti moogga'a. Namni kun erga sirna moggaaffachaatiin gosa Oromoo tokkotti mogga'ee akka gosa kanaatti fudhatama;

innis akkasumatti ofilaaluun—gama siyaasaatiin, hawaasummaafi diinagdeetiin waan gosni kun ta'u hunda ta'a ykn ta'uuf mirga qaba (Hayilee, 2014).

Karaan biraa hariiroon hawaasaa itti ijaaramu harma-hodhaadhaani. Harma-hodhaan sirna hariiroon warraa-ilmoomaa itti ijaaramuudha (Etefa, 2012). Harma-hodhaan namoonni naannoo tokko jiraatan tokko yoo walitti dhufeenyaa qabaachuun kan jaalalliisaanii cimu ta'e, kan yoo walitti dhufeenyi keenya caalatti nu fayyada jedhanii yaadan ta'e, karaa harma-hodhaa ilma/intala walii kennanii harma walhoosisuu hariiroosaanii guduunfatu/cimsatu. Akka ibsa Tsige'tti, sirna harma-hodhaa keessatti namicha harma hoosisu quba abbuduu harka mirkaasaarratti dhadhaafi dammi dibamuun namni harma hodhu sun akkarra hodhu taasifama. Kunimmoo fakkoommiinsaa akka harmi hodhameetti ilaalama. Sirni kun akka Tsige'n hojii Katebo (1999) Arsiirrattiifi Blackhurst (1996) Shawaarratti hojjetanirratti hundaa'uun ibsetti, sirna hawaasaa gidduutti nagaa buusuun hariiroo gaarii uumuudha. Gareen namoota lamaa erga karaa harma-hodhaa walitti dhufeenya godhatanii booda, akka firaatti walilaalu, yeroo gaddaas ta'ee, gammachuurratti dafanii waldhaqabu; gabaabumatti oolmaa firri foonii waliif oolu tokko waliif oolu.

## Boqonnaa Shan

## 5. Sirnoota Marsaa Jireenyaa Koornayaa Ijaaruu, Ibsuufi Daddabarsuurratti

Boqonnaan kun sirnoota marsaa jireenyaa—sirna dhaloota, gaa'elaafi boo'ichaa Oromoo Arsii keessatti dhimmoonni koornayaa akkamiin akka ijaaraman, ibsamaniifi daddarban—duudhaa Oromoo Arsii keessatti leelloo ilmaa intalli qaban bu'ura yaaxxina ijaarsa hawaasaatiin xiinxaluurratti hundaa'e. Yaaxxinni ijaarsa hawaasaa koornayaa akka ijaarsa hawaasaatti ilaala. Kan ijaaramus aadaafi duudhaa hawaasaa—sirna namni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti keessa darbu, kan Van Gennep (1909) sirnoota marsaa jireenyaa jechuun ibseefi kanneen biroo fa'a bu'ura godhachuudhaani. Sirnoota marsaa jireenyaa, kan namni tokko gulantaa jireenyaa tokkoo isa itti aanutti itti tarkaanfatu; itti ce'uudha. Akka Van Gennep ibsetti, kan jireenya namaa keessatti wanti hinjirre tokko itti jiraatu; namni tokko waan dur hinqabne (aangoo, bakka, sadarkaa, kabaja) argatu ykn immoo kana darbeetumaa jireenyaarraa gara du'aatti deemuudha. Kana jechuun, karaa sirnoota marsaa jireenyaa, jireenya nama tokkoo keessatti jijjiiramni wayii kan uumamu jechuudha.

Yeroo namni tokko jireenya keessatti gulantaa tokkoo isa itti aanutti ce'u hawaasni sirnoota adda addaa raaw'achuu kabaja. Kana gochuurratti tokkoon tokkoo namaa (dubartiifi dhiirri) guyyaa dhalootaarraa eegalee waan raaw'atamuuf, waan hinraaw'atamneef, waan raaw'atan, waan hinraaw'anneefi gahee bahan qabu. Oromoon Arsii raaw'ii sirnoota marsaa jireenyaa kanneen akka dhalootaa, gaa'elaafi boo'ichaarratti raaw'atuun dhiiraafi dubartii akkatti ibsuufi ijaaru ykn leellisu qaba. Haaluma kanaan boqonnaa kana keessatti raaw'iileen sirnoota marsaa jireenyaa Arsii keessatti raaw'ataman koornayaa ijaaruu, ibsuufi daddabarsuurratti gumaachaa akkamii akka qaban ragaaleen aanota iddattoo qorannichaa keessaa karaa meeshaalee funaansa ragaalee walitti qabaman mata-dureelee sadi jalatti qindaa'anii dhihaataniiru. Mata-dureeleen jalatti qindaa'uun dhihaatanis akkuma armaan gadiitti mul'atu mata-duree 'Sirna Dhalootaa, Gaa'elaafi Boo'ichaa' jedhaniidha.

### 5.1. Sirna Dhalootaa Oromoo Arsii Koornayaa Ijaaruu, Ibsuufi Daddabarsuurratti

Marsaa jireenyaa keessatti addunyaan akka itti fuftu gochuurratti dhaloonni bakka guddaa qaba. Dhaloonni wanti hinjirre tokko akka jiraatu, uumamu, argamu taasisa. Kanaaf, jalqabarratti

namnis yeroo addunyaarra jiraatu keessatti nama bakkasaa/shee bu'ee/buutee boru isa dhaalu/ltu ilmoo argachuu fedha. Kanas mammaaksatti dhimma bahuun*, 'Qorichi du'aa ilma'* jechuun ibsu. Keessayyuu immoo, akkuma jecha ilma jedhu mammaaksa keessa jirurraa mul'atu (osoo saala lamaan ibsa ta'ee jecha ilmoo jedhuun ibsama ture), irra caalaa ilma argachuu barbaadu. Haaluma kanaan kutaa kana keessatti hubannaan hawaasni ilmoo argachuufi saala ilmoo argatuurratti qabu maal akka fakkaatu, qophiilee, kunuunsiifi raaw'ileen da'umsaan ykn ilmoo argachuun walqabatanii akka aadaafi duudhaa Oromoo Arsiitti raaw'ataman kanneen akkamii akka ta'an, dhaloonni ilmaa kan intalarraa maaliif akka leellifamuufi adeemsa ilma intalarra leellisuu keessatti wanti addaa ilmaaf taasifamu maal akka ta'e akkatti aanu kanaan bal'inaan ibsamaniiru.

### 5.1.1. Ilaalcha Oromoo Arsii Ilmoo Argachuufi Saalli Ilmoo Maal ta'uu Akka Qaburratti

Akka aadaafi duudhaa Arsiitti namni/maatiin tokko ilmoo argatee hammaachuun dura ilmoo akka argaatuufi saalli daa'ima dhalattuu maal ta'uu akka qaburratti gama hawaasaatiin ilaalcha calaqqisuufi waan raaw'atamutu jira. Gochaalee ilmoo argachuu waliin walqabatanii raaw'ataman keessaa tokko hawwii hawaasni namni ilmoo akka qabaatuuf hawwuufiidha. Dhaloonni sirna marsaa jireenyaa sanyiin dhala namaa addunyaarratti akka itti fuftu taasisu ta'uurraan kan ka'e, hawaasni dhalootaan walqabsiisee namni tokko akka dhala qabaatuuf yoo hawwuuf ni eebbisa. Eebba akka namni tokko dhala argatuuf eebbisamu keessatti bakka dhiiraafi dubartiin hawaasa keessatti qabanirrarratti hundaa'uun saalli daa'ima dhalattuu dhiira akka ta'u barbaadama. Yeroo turtii dirree qorannoo dubartii garaa qabdu waliin afgaafii taasisuun akkan hubadhetti, dubartiin garaa qabdu saalli daa'imni isheen garaa qabdu osoon hinbeekamin sochii daa'imni garaa keessatti taasistu saala dhiiraatiin *"Daa'imni garaa keessa na gaggaragale" (AFG: Aashaa Kadiir, Aanaa Diksiis, Sadaasa, 2014)* jechuun ibsiti. Kuni kan agarsiisu, haawwanis ta'ee namni kamuu saala dhiiraaf dursa/beekamtii kan kennu ta'uudha. Akkasumas, hawwiisaanii kana fakkoommii fayyadamuun waan raaw'ataniin agarsiisaa deemu. Kana jechuun, waan akka ta'uuf hawwan gooroowwan fokloorii—keessaayyuu, duudhaa hawaasaa fayyadamuun akkatti ibsan qabu. Kanumaan namni tokko akka daa'ima godhatu yoo hawwamuuf akkuma yaada ittaanu afgaafiin argamerraa mul'atu *'ilma argadhu'* jedhama.

> *Akka aadaa keenyaatti, mangudooleen* ykn *namoonni nama waa isaaniif godheefi gargaare yoo eebbisan, misirroota walfuudhan yaada gaarii qabaniif yoo ibsan 'ilma argadhaa' jechuun eebbisu. Fakkeenyaaf, cidharratti misirroonni walfuudhan qa'ee warra intalaas ta'ee, kan gurbaatti akka ilma argatan hawwuufiin yoo eebbisan:*
> *Intalli ilmaan haa moo'attu, inni horiin/karraan haa moo'atu'* jechuun eebbisu. (AFG: Shittoo Nuuraa, Aanaa Diksiis, Sadaasa, 2014)

Yaada afgaafii kanarra jiru keessatti wanti ibsame, manguddooleen namoota isaaniif ajajaman wanti gaariin akka isaaniif ta'u yoo hawwan; akkasumas, gaa'elarratti misirroonni ilmoo akka godhatan yoo hawwaniif *'ilma argadhaa'* jechuun kan eebbisan ta'uudha. Akka aadaatti maatiin akka ilmoo argataniif yoo eebbifaman akka ilma argatan hawwuufiin eebbisuun, Hofman (2010) yaada dhiirri dubartiirra barbaachisaadha jedhu mul'isa jetti. Dabalees, daaw'annaa Aanaa Heexosaatti 28/08/15 taasifameen akka hubatametti, cidharratti yoo misirroon qa'ee warra gurbaa geessu daa'ima dhiiraa baachisuun hawwii isaanii gochaan agarsiisu. Akka ragaan argame mirkaneessuutti, Duudhaa Oromoo Arsii keessatti, cidharratti misirrittii daa'ima dhiiraa baachisuun akka safuutti jala sararamee waan taa'eedha. Mirkanummaa yaada kanaa argachuuf, ragaa afgaafiin dirree qorannootii argame: "*Fuudharratti yoo mushuroonni galan daa'ima dhiiraa malee, durba hinbaachisnu. Miilana gaafa gurbaan kiyya fuudhe, daa'ima dhiiraa asii dhabnaan mandara gamaatii fidnee intala baachifne"* (AFG: Xaawuu Raaboo, Aanaa Diksiis, Sadaasa, 2014).

Duudhaa Oromoo Arsii keessatti gaa'elaarratti akka milkiin tolee misirroon ilma deessuuf; akkasumas, madaala gaa'elichaa olkaasuuf ilma barbaadanii—keessaayyuu, ilma sarara dubartiitiin jiru osoo hintaane, ilma sarara dhiiraatiin jiru misirrittii baachisu. Yaada ilma sarara dhiiraa jedhu kana daaw'annaa yeroo cidhaa taasifamerratti afgaafii gaafatameen akka adda baafametti, ilmi misirrittiin guyyaa cidhaa milkiin tolee isheenis akka ilma deessuuf baattu ilmuma ta'eef kan baatamu miti. Ilma sarara dhiiraatiin jiru—ilma nama gurbaa fuudhuuf obboleessaatti ooluu—ilma obboleessaa, obboleessaa abbaa fa'a malee, ilma karaa dubartiitiin jiru—ilma obboleettii, adaadaa fa'a miti. Ilmi misirrittiin baattu kan gara dhiiraatiin jiru sababni ta'uuf, ilmi gara dubartiitiin jiru—haati daa'ima baatamu deesse, heerumtee araddaa ormaa keessa waan jirtuuf, ilmi ishee kan gosa isheen itti heerumteeti malee kan gosasheenirraa dhalattee miti. Kanaaf, gaa'ela gosa isheen keessaa dhalatte keessatti safuu guutuuf kan hinbaatamne ta'e. Yaada kana cimsu Hofman (2010) akka ibsitetti, yeroo fuudhaa heeruma biyya

Sarbiyaatti milkiin tolee ilmi akka dhalatuuf, guyyaan cidhaa guyyoota akka aadaa biyyattiitti guyyoota dubartiitti jedhamanii yaadaman kanneen akka Sanbata, Dilbataafi Roobii fa'arra akka hinoolle ofeegganoon taasifama.

Yaada kana keessatti wanti ilaalamuu qabu jecha ilma jedhuudha. Yeroo dirree qorannoo turametti namoonni tokko tokko jecha ilma jedhu kana lamaaniif (ilmoo dhiiraafi durbaaf) hojjeta jedhanii yoo kaasan mul'ata. Garuu, jechi ilma jedhu kun akka jechicha mataasaarraa ifuufi ijjannoo qorattittiitti jechi ilma jedhu daa'ima dhiiraafi durbaa ibsuuf oola osoo hintaane, daa'ima dhiira ta'e ibsa. Gita kanaan daa'ima dubartii taate ibsuuf, jechi oolu intala kan jedhuudha. Silaa osoo akka sirriin jedhama ta'ee bakka jecha ilma jedhuu kan nama saalaan dhiira ta'e ibsu kanaa, jecha akka aadaafi duudhaatti dhiiraafi dubartiifis qixa ta'e '*ilmoo'* kan jedhuun bakka bu'ee jedhamuu qaba ture.

Akka ijaarsa aadaafi duudhaatti, akkuma eebba yeroo gaa'elaarraa hubatamu, intalli heerumte takka bakka heerumte sanaafi abbaa warraas moo'attee kan bultu yoo ilmoo deesseedha. Intalli ilma dahuun hinmoo'anne taanaan, jireenyi ishee nama itti heerumte kana waliin qabdu kan itti hinfufne ta'uu mala. Sababnisaas, akka duudhaa hawaasaatti, daa'ima dahuun akka gahee intalaatti ilaalama. Inni karraan haa moo'atu jechuun, akkuma (Eagly & Wood, 1999) faan jedhan, gaheen dhiiraa hojiilee alaa hojjechuun waan maatiin itti jiraatu dhiheessuu, qabeenyaafi waa hunda too'achuudha jedhan, gurbaan fuudhu tokkos qabeenya intalaafi maatii ittiin bulchu haa qabaatu jedhamuun eebbifama. Gurbaan qabeenya ishee ittiin bulchu qabaachuun dirqama isaa ta'uu: *"Dubartii dhiirri bakka fidee fidee akka bulchuu barbaadama. Fuudharratti gurbaan intala yoo kaadhimatu gaaffiin warri intalaa gaafatan: gurbaan maal qaba, intala bulchuu danda'aa? Kan jedhuudha. Gaaffiin intalli maal qabdii hinjiru"* (AFG: Muktaar Abraahim, Aanaa Heexosaa, Waxabajjii, 2013). Abbaan warraa qabeenya qabaatee maatiifi haadha warraasaa hinbulchu taanaan, akkuma yoo isheen ilma dahuu diddee san carraan inni haadha warraasaa waliin itti fufuuf qabu xiqqaachuu danda'a. Akkasumas, ilaalchuma dursa ilmaaf kennamurraa ka'uun yoo intala fuudhanii qa'ee warra gurbaa gahan akka milkiin tolee intalti ilma deessuuf daa'ima dhiiraa barbaadanii intala baachisu. Ilmi waddeessa jedhama. Waddeessa jechuun nama boru qa'ee abbaa dhaalu, kan hidda warra/gosa sanaa ta'u jechuudha. Kanaaf,

waan raaw'atan mara keessatti akka ilmi dhalatuuf waan jedhaniifi godhaniin hawwii ilmaaf qaban mul'isaa deemu.

### 5.1.2. Garaatti Baachuu/Ulfaa'uufi Qophiifi Kunuunsa Yeroo Kanaa

Hawwii akka ilmi dhalatuuf hawaasni wantoota garagaraa gochuun mul'isutti aanee dubartii takka ulfaa'uun ishee gaafa beekame, saalli daa'imi isheen garaa qabduu dhiiraas ta'ee, durba, ijji isheen ittiin ilaalamtuufi bakki isheef kennamu guddaadha. *"Dubartiin garaatti baachuun dhaloota itti fufsiisuufi nama boru bakka nama bu'u dhiifachuu agarsiisa waan ta'eef, wayyooma qaba"* (AFG: Gannaalee Woyyaa, Aanaa Heexosaa, Fulbaana, 2014). Kanaaf, haadha takka yeroo garaatti hafuun beekamee qabee ishees dabalatee, namoonni biroo isheetti dhihoo jiran hanga danda'ameen kunuunsa taasisuufi. Akka Aadde Gannaalee jettetti, dubartiin ulfaa ishees taate daa'imni akka hinmiidhamneef waan ulfaataa akka baattu hintaasifamtu. Qilleensi badaan akka hindhoofneef nyaata adda addaas qopheessitee hoo'aan aduutti/gara alaa akka hinbaane jedhamti. Sababnisaas, haala kanaan gara alaa yoo baate ulfi irraa bahuu danda'a jedhama. Akkasumas, rifaatuun ulfi akkarraa hinbaaneef, waan badaa, waan nama cinquufi oduu nama gaddisiisu akka hindhageenye jedhama. Kanaan alas dubartiin ulfaa takka gama nyaataatiinis ofeeggachuu qabdi jedhama. Kunis, dubartiin ulfaa hanga humni ishee danda'een soorataalee fayyaa isheefis ta'ee, guddina daa'imaatiif gaariidha jedhaman akka soorattu taasifama.

Dubartiin ulfaa yeroo garaa qabdutti erga haala kanaan ofeeggannoo taasiftee booda, yeroo guyyaan da'umsaa dhihaatu nyaataafi dhugaatii dabalatee wantoota yeroo da'umsaaf ishee barbaachisan qopheeffachuun qophii yeroo da'umsaa dubartiin takka gootu taasisti. Kanas ragaa karaa afgaafii argame kan armaan gadii kanarraa haa ilaallu.

> *Jalqaba dubartiin deessu qophii isheerra barbaachisu mara mana ishee keessatti raaw'atti. Kunis, yeroo deessee ciistutti wantoota nyaataaf ishee barbaachisan kan akka midhaan marqaa dhadhaa (dhadhaa dibataa/muudaafi nyaataaf oolu), dammaafi kkf namoota ishee gargaaran waliin ta'uun qopheeffatti. Erga waan isheef barbaachisu qopheeffatte booda yoo guyyaan da'umsaa jala gahu heexoo dhugdee, dabbasaa dhahattee, itilleefi bullukkoo urgeeffattee, afaa cabsattee, qaama ishees dhiqattee qophoofti.* (AFG: Xayyibaa Sh/Galatoo: Aanaa Diksiis, Sadaasa, 2014)

Ragaan afgaafii kun kan ibsu dubartiin deessu takka yeroo guyyaan da'umsa ishee dhihaatu akkuma yaada raga-kennituun kaasterraa hubatamu, waan nyaatamuufi dhugamu dabalatee, qophiillee ofqulqulleessu—heexoo dhuguu, dhiqachuu, dibachuu mara taasifti. Sababni qophiin kun taasifamuuf, dubartiin deesse ulmaa ciifti waan ta'eef, ulmaa ishee qulqullummaan qophii taatee eegaluufi. Akkasumas, akka Aanaa Heexosaa 13/06/15 mana dubartii deessee ulmaa jirtu kan maqaan ishee Misraa Yusuf jedhamtu daaw'achuun; akkasumas, gaafis gaafachaa hubatametti, dubartiin deessee ulmaa yoo ciiftu miidhaa yeroo ulfaafi da'umsaarraa akka bayyannatuuf nyaataa dhugaatiin da'umsaan dura qophaa'e haala barbaachisuun bilchaatee toluun kunuunsi taasifamaafi. Dubartiin deessee ulmaa jirtu kaate mana keessa hojii hinhojjettu; nama biraattu nyaataa dhugaatii qopheessuufiin ishee kunuunsa. Hanga ji'a tokkootti galgalaafi ganama fincaaniif ala baati malee, akka argite bal jettee manaa hinbaatu; inuma ciifti/boqatti. Dubartiin garaa qabdu takka da'umsaan dura wanti gama nyaataafi dhugaatiitiin qophooftuuf yeroo ulmaa ishee haala kanaan dabarsuufi.

### 5.1.3. Gochaalee Guyyaa Da'umsaafi Da'umsa Boodaa

Dubartiin ulfaa guyyaa isheerratti hundaa'uun qophii barbaachisu mara erga taasistee booda gaafa guyyaan ishee gahee ciniinsuun ishee qabu abbaa warraas ta'ee namni ishee bira jiru haawwan gurguddoo waamuufi. Haawwan immoo akka isheen nagaan daftee hiikkatuuf Ateetee faarsuun Waaqa kadhatuufi. Kanas yaada afgaafiin Aadde Ashoorraa argame ittaanu kanarraa haa ilaallu.

> *Dubartii ulfaa guyyaan da'umsaa ishee gahee yoo ciniinsuun qabdu dubartoota yaamaniifi. Dubartoonni immoo akka isheen daftee hiikkattuuf/deessuuf Siinqee qabatanii faaruu ateetee itti baafatu. Faaruun kunis:*
>
> *Hiikoo aayyoo mee dura deettuu tana hiikii*
> *Hiikoo aayyoo mee dura deettuu tana hiiknaa*
> *Ka deettuu si eegduu ati maal eegdaa aayyoo (ibsoo) tiyya ree*
> *Qanafaan hindheessaa ka faana fixeessaa*
> *Deessuu tiyya maaloo Rabbiitiin si dheessaa* (AFG: Ashoo Tongolaa: Aanaa Heexosaa, Waxabbajjii, 2013).

Akka ibsa Aadde Ashootti deessuu takka gaafa ciniinsuun qabu keessayyuu, yeroo amma duraa haawwan walitti dhufuun Ateetee faarsu/kadhatu. Garuu, yeroo ammaa carraan dubartoonni manatti dahuuf qaban xiqqaa ta'uurraan, dabalees, beekumsiifi ilaalchi namoonni sababa

amantaa, ammayyummaafi kanneen biroorraa ka'uun aadaafi duudhaa ofiirratti qaban xiqqaachuurraan kan ka'e akka haawwan amma duraatti yoo dubartiin deessu Siinqeen bahanii Ateetee hinfaarsani; Siinqees manaa hinqabani. Raaw'ileefi gochaalee da'umsaan walqabatanii taasifamaniin walqabatee jijjiiramoonni jiru waan ta'eef, waa'een jijjiirama kanaa kutaa jijiiramaa jalatti bal'inaan dhihaateera. Yeroo da'umsaa Ateetee faarsuurratti kan faarsan ykn waaman—'hiikoo aayyoo' jechuun ateetee dubartii deessu sanaati. Sababni Ateetee itti waamaniif, akkuma boqonnaa 4 kutaa 4.4 jalatti ka'e, jalqabumaa Sirni Ateetee kan raaw'atamu hormaataaf, ilmoo argachuufi. Ilmoo argatan kana/tana immoo gaafa da'umsaa guyyaan kun guyyaa cinqii waan ta'eef, nagaan akka hiikkataniif guyyaa kana faaruu Ateetee faarfatu, kadhatu.

Kutaa 4.4 jalatti yaadni ka'e akka ibsutti, ateetee kan godhatu dubartii heerumtee bultii godhatteedha. Dubartiin tun kana godhachuun wanti ishee barbaachisuuf, hormaata sa'aa namaafi fayyaa maatiisheerratti nagaa argachuufi. Kanaaf, akka haawwoliin waa'ee Ateetee beekan ibsaniitti, gaafa haati takka deessu dubartoonni walgahanii 'Ateetee haadha warraa tanaan ati waadaa haati warraa tun si waliin qabdu dhiistee eessa jirta? Deessu tana hiiki jechuun amantaan kadhu. Akkasumas, *Qanafaan hindheessaa ka faana fixeessaa deessuu tiyya maaloo Rabbiitiin si dheessaa'* jedhanii faarsuun, yeroo dubartiin deessu itti ciiftu kun yeroo deessuun Qanafaa itti hidhattu, yeroo wayyummaati. Yeroo wayyummaa kana immoo Rabbiin siif kadhanna jechuun haala kanaan ibsu. Dabalees, waan Qanafaan irraa hojjetames keessa ibsu. Innis Qanafaan muka akka Arsiitti '*Hindheessa*' jedhamu akka naannoo biraatti 'Gaatiraa' jedhamurraa kan hojjetamu ta'uusaa himuufi. Erga haala kanaan Ateetee kadhatanii Rabbis hiikee deessuun deessee, ililfatanii gammachuu isaanii ibsatu. Kunis, saala daa'ima dhalatteerratti hundaa'anii haallitti gammachuu ibsatan adda. Kanas yaada afgaafiin argame kan ittaanu kanarraa hubachuu dandeenya.

> *Dayiisarratti daa'ima dhalaterraa ka'uun haallitti gammachuu ibsatan adda. Yoo kan dhalate dhiira ta'e yeroo jaha/afur; yoo dubartii taate immoo yeroo shan/sadi gadi qabatanii ililfatu. Marqi Hoboxaas yoo dhiira ta'e qorii lama, yoo durba taate immoo qorii tokkotti baha.* (AFG: Nafiisaa Kadiir, Aanaa Diksiis, Caamsaa, 2014)

Jalqabarratti, dubartiin yoo deessu akkuma ijaarsa duudhaa keessatti barame, daa'imti dhalattu dhiira akka ta'u barbaadama. Akkuma yaada afgaafiin argamerraa hubachuun danda'amu, yoo

kan dhalate dhiira ta'e yeroo irra caalaa elelfachuun gammachuu isaanii ibsatu. Waan raaw'atan mara keessatti waan dhiiraaf ykn haadha dhiira deesseef raaw'atan mara haadha dubara deessee olitti raaw'atu. Wanti haadha durba deesseefi mana durbi dhalattetti ta'u, dhaloonni durbaa haa taatumaan ibsama sababa ta'eef, ilaalchaanis haa ta'uu gama waan ta'uutiin hanga gochaafi kabaja haadha dhiiraatiif godhamuu hingahu. Kana keessatti yeroo dhiiraa jaha/afur, kan durbaa immoo shan/sadi elelfachuun ilaalcha dhiirri dubartii ni caala jedhus guyyuma dhalootaarraa kaasanii calaqqisiisaa deemu. Lakkoofsa ililfannaa dhaloota ilmaafi intalarratti ta'urraa waan lamatu mul'ata. Tokko lakkoofsi ililfannaa dhalachuu ilmaatiif ta'u kan intalaa caala. Lammata immoo lakkoofsi ililfannaa yoo ilmi dhalate ililfatamu guutuu ta'uufi kan intalaa qara/mangoo ta'uudha. Kana jechuun, lakkoofsi ililfannaa yoo ilmi dhalatuu kan intalaatii olta'uu cinaattis kan ilmaa lakkoofsa guutuu—afur/jaha ta'uu qaba. Inni duraa lakkoofsi walcaaluun ilmi intalaa olii kan ibsuudha. Kan lammataa lakkoofsi guutuu ta'uunis ilaalchuma ilmi intalarraa hawwama jedhu ibsuufi. Akka amantaa hawaasaatti, guutuun kan waa hunda qabu, kan baay'ee nama fayyadu/tajaajilu; hir'uun immoo kan hanga waan guutuu nama hinfayyadne jechuudha. Kunis, ilaalcha ilmi warra/gosa—fayyaduufi gargaaruurratti guutuudha; intalli immoo guutuu miti jedhurraa ka'uuni. Akka Arsiitti lakkoofsi guutuufi wantisaan walqabate akka milkiifi hiree gaariitti ilaalama. Kanaaf, ilmaas—yoo inni dhalate lakkoofsa guutuu ililfachuun, ilmi intalarra namaaf oola jechuufi. Kun kan ibsu manni durbi itti dhalatte, keessaayyuu yeroo amma duraa hanga mana ilmi dhalatee hinleellifamne ta'uudha.

Akka aadaa Arsiitti manni durbi itti dhalatte hoo'a kan hinqabne ta'uu mammaksa yeroo dirree qorannoo turame argame *"Maaf akka mana durbi itti dhalattee callistan ree"* (AFG: Aliimaa Yaaddoo, Aanaa Muunessaa, Waxabajjii, 2014) jedhuun ibsama. Mammaaksi kun kan agarsiisu, manni durbi itti dhalatte, akka mana namni nuuf dhalate, ilmoo arganne jedhamee itti gammdamu ta'uu dhiisuu isaati. Haalli kunimmoo guyyaa dhalootaa qofa osoo hintaane, bifa afoolaatiin jiruufi jireenya hawaasaa keessatti handhuura godhachuun yeroo mara kan calaqqisuudha. Haala nama hingammachiifne tokko ijaarsa bifa afoolaatiin dhaloota durbaatiin walqabatee hawaasa keessa jiru fayyadamuun ibsu. Kanarraa ka'uun wanti yoo ilmi dhalatu ta'u kan yoo intalli dhalattuu olta'uun dhaloonni ilmaa leellifama jechuudha.

Kana qofa osoo hintaane, yeroo amma duraa aadaa Arsii keessatti durbi yoo dhalate warri gammachuu dhabuurraan kan ka'e hanga gatuu fa'a kan gahu ta'uu *"Raaddi ujoo deettee? Ee deette; maal deette? Jibicha; Kam luqqisanii kam guddisanii? Intala luqqisanii ilma guddisanii jedhu. Dur dhiirrinuu mana hinseenu yoo durbi dhalattu"* (AFG: Shittoo Nuuraa, Aanaa Muunessaa, Waxabajjii, 2014). Yaadni kun kan agarsiisu, duudhaa durii keessatti intala laaffisuurraa kan ka'e akkana jechuun kan mammaakan ta'uudha. Kanarratti intala luqqisanii ilma guddisan gaaleen jedhu yeroo amma duraa intalli yoo dhalatte akka gatan fa'a kan agarsiisuudha. Abbaan manaa haati warraasaa ilmoo akka duudhaatti jaalatamuufi leellifamu dahuu dhabuusheetiin aaruurraa kan ka'e hanga manasaa lagachuu hunda gaha. Kun ta'us, haalli kun akka yeroo amma duraatti hojjoomaa kan hinjirre ta'uu kutaa jijjiiramaa (Boqonnaa 8 ilaali) jalatti ibsameera.

### a. Sirna Deessuu Nafa-dhiquufi Qanafuu

Haalli dhaloota ilmaa kan intalaarra faarsuufi leellisuu ililfannaafi gochaalee yeroo da'umsaa ta'anirratti qofa dhaabbata osoo hintaane, gochaalee gaafa dubartiin deessu nafa dhiqattuufi kanneen biroorrattis haala yaada marii garee xiyyeeffannoon argame ittaanurraa ifu kanaan bal'inaan itti fufaa deema.

> *Akka aadaa keenyaatti dubartiin dhiiraa deesse guyyaa jaha/afuritti, kan dubartii deesse guyyaa shan/saditti nafa dhiqatti. Gaafa kana nafa dhiqaarratti margaan ililfatanii yoo dura bishaan qaama deessuu tuqsiisan, haadha dhiira deesseef yeroo jaha/afur, kan durbaatiif yeroo shan/sadi ililfatu. Guyyuma qaama dhiqaa marqi Hoboxaa (marqaa gaafa dubartiin deesseefi nafa dhiqattu marqamu) jedhamu marqamee akka namoonni nyaatan ta'a. Marqa Hoboxaa kana kan dhalatte yoo dubara taate dhiirri hinyaatu; dhiirri hoboxaa dubartii kan nyaatu yoo ta'e ni dafqa, ni dadhaba, akka dubartiitti laafa. Dubartiin dhiira hingeettu waan jedhamuuf, dhiirri gadi deebi'ee hoboxaa dubartii hinyaatu jedhama. Yoo kan dhalate dhiira ta'e marqi nama maraafuu bahee dhiiraafi dubartiinillee qixuma nyaatani.* (MGX: Aanaa Heexosaa, Sadaasa, 2014)

Haalli waan haadha ilma deesseef kan intala deesseerra caalchisanii raaw'atan—irra caalaa elelfachuufi kkf guyyaa da'umsaatiin boodas gochaalee dubartii deesseen walqabatanii taasifaman mara keessatti itti fufa. Akkuma ragaa MGX irraa mul'atu, dubartiin deesse saaluma daa'ima deesseerratti hundaa'ee sirni nafa-dhiqaa ta'aafi. Kunis, akkuma barame lakkoofsi guyyaa nafa-dhiqaa haadha ilma deessee ilaalcha ilmi intalaa oljedhu akka ibsuuf, kan haadha

intala deessee oli. Akkasumas, marqaa gaafa nafa dhiqaa marqamu yoo kan dhalate dhiira ta'e dhiirri ni nyaata. Yoo dubartii taate immoo warra dubartootaa malee dhiirri hinyaatu. Dubartiin hawaasa keessatti ija gadaantummaan waan ilaalamtuuf, akkuma ragicharraa mul'atu, dhiirri marqaa gaafa nafa dhiiqaa dubartii marqame yoo nyaate, innis akkuma dubartii dadhabaa ta'a—nidafqa jedhamee waan yaadamuuf, marqaa san hinyaatu. Yaada kana keessatti jechi 'ni dafqa, dadhabaa ta'a' jedhan dubartiin da'umsarratti dhukkubbii waan isaan madaalu hinqabne sababa cinqiifi hiraara ciniinsuutiin isheerra gahurraa ka'uun kan dafqitu, kan dadhabdu ta'uu mul'isa. Kun ta'ee osoo jiruu dafqa dubartiin cinqiifi hiraara da'umsaa darbuun du'aan gama ceetee dhaloota itti fufsiisuuf aarsaa kafaltu gatii dhabsiisuun dhiirri Hoboxaa dubartii nyaate akka dubartiitti dadhabaa ta'a jechuun jibbaan hamilee dubartii laaffisuuf fayyadamani. Jechoonni kunneeniifi ilaalchi jechoota kanneen duuba jiran hamoo kan ta'aniifi hamilee dubartii daraan kan cabsan; akkuma waan isaan yeroo da'umsaa jedhaniifi godhan kan ragaarratti dhihaaterraa mul'atu dubartootumtillee ilaalcha kana fudhachuun ofirratti murteessan kan taasisuudha.

Akka aadaa Arsiitti dubartiin takka yoo deessee Qanafaa godhatti ykn Mutaa—meeshaadaa hodhaa itti hodhuuf oolu, kan mukaafi sibilarraa hojjetamu mataatti suuqqatti. Qanafaan akka dubartii deesse, mana haawwan Qanafaa durii qabaniifi Godambaa dhaquun daaw'atameefi ibsa oddef-kennitoonni yeroo marii garee xiyyeeffannoofi afgaafii kennanirraa hubatametti, meeshaadaa wayyooma dubartii deessee ibsuufi dubartiin deesse mata jala naannessuun addarratti godhattuudha (suuraa 01 fi 02 ilaali). Qanafaa jechuun, *"qananii/kunuunsa nafaa (qaamaa) jechuudha"* (Leencoo Jiruu, Aanaa Heexosaa, Waxabajjii 2013). Akka manguddoo kanaatti deessuudhaaf kunuunsi qaamaa wanti barbaachisuuf, dubartiin deesse miidhaa yeroo ulfaafi da'umsa irra gaherraa akka bayyanattuufi dandamattuufi.

Sababni Qanafaan ykn Mutaan dubartii deesse takkatti godhamuuf, Qanafaan Wayyuu waan ta'eef, dubartiin deesses wayyuufi ulfaattuu ta'uusheefi deessuu yeroo dhihoo ta'uushee ibsuufi. Dubartiin deesse wayyuu ta'uunshee bakka hundatti, fakkeenyaaf—iddoo namni hinjirre huura keessallee yoo kan deemtu hafuura badaas ta'ee, namni ishee tuqu hinjiru. Karaallee hinqaxxaamurani. Ijji hamtuunis Mutumaafi Qanafaa mataarraa qabdu ilaalti/la malee, isheetti hinxiyyeeffatu jedhamee amanama. Dubartii Qanafaa mataa qabdu bakka deemte hundatti dursi

kennamuufiin wayyoomti. Gama abbaa warraatiinis dubartiin Qanafaa godhatte ni kabajamti. Abbaan warraashees hanga gaafa isheen Qanafaa buufatuutti bira hingahu. Dhaanus hindanda'u.

Garuu, akka aadaafi duudhaa Arsiitti, yeroo kaan dhaanuu ni danda'a jechuudha. Yaada kana fakkaatu kutaa sirna gaa'elaa mata-duree dhaamsa abbaa jedhu (5.2.7 ilaali) jalatti dhaamsa abbaan yoo intala heerumsiisu gurbaaf *'dirri 'laafaan keetii dhaannadhu'* jechuun dhaamurraa ilaaluun ni danda'ama. Turtii dirree qorannoorraa akkan hubadhetti, akka aadaa Arsiitti, dhiirsi niitii dhaanuun waanuma akka hojii sirrii tokkootti fudhatamuudha. Kanas abboonni ragaa naaf kennaan dhirsi niitii dhaanuun akka waan sirriitti kan lakkaa'amu ta'uu yoo ibsan, mammaaksa hawaasa keessatti beekamu kan: *'yeruma niitii teenyallee itti dhaannanu dhabne'* (Muhaammad Aadam, Aanaa Heexosaa, Fulbaana, 2014) jedhu kaasuun ibsani. Mammaaksa kanarraa kan hubatamu, niitii dhaanuun akka hojii idileefi sirrii abbaa warraatti kan fudhatamu ta'uufi haalli kunimmoo jiruu jireenya idilee keessatti bifa mammaaksaatiin calaqqisaa kan oolu ta'uudha.

Abbaan warraa haadha warraa dhaanuu akka danda'uuf ragaan argame kan mul'isu ta'us, garuu, '*deessuu Qanafaan jirtu yoo taatee abbaan warraa kan dhaanu yoo ta'e, haawwan Siinqee qabatanii bahuun 'Sirna Iyya Siinqee' jedhamuun abbaan warraan akka adabamu taasisu (H/Gammachuu Mi'eessoo, Aanaa, Muunessaa, Wabaxabajjii, 2014)*. Egaa akkuma ibsame, Qanafaan meeshaa wayyoomaati; keessaayyuu, kan wayyooma dubartiiti. Yaada kanarraas kan hubatamu, mirgi dubartii yeroo biraa dhiibamu (yeroo biraa dhiibamuunis kan sirrii hintaane ta'u) yeroo isa godhatte sababa meeshaa wayyoomaa kanaa kan kabajamu ta'uudha.

Haawwotiifi abbootiin akka ibsanitti, haallitti dubartiin deesse Qanafaa godhattuufi baafattu sirnaafi adeemsa mataasaa qaba. Akkaataa deessuun itti Qanafatturratti akka Aadde Aliimaa Yaaddoo Aanaa Muunessaatti yeroo afgaafii ibsanitti, dubartiin erga deessee booda yoo haadha warraa ilma hangafaa taate, haati abbaa warraa dubartii deesse tanaa Qanafaa ofii kan duraan yoo deesse godhachaa turte dubartoota yaamuun sirnaan haadha warraa ilma ishee deesseetti gooti. Haadha warraa ilma hangafaa ta'uu yoo baatte immoo, Qanafaan yeruma isheen ulfa turte haadha abbaa warraa ykn immoo dubartii hangafaa kan naannoo sanatti kabajamtuu taateefi safuu qabduuni qophaa'uun gaafa isheen deesse sirnaan itti godhama. Daaw'annaa Aanaa Heexosaatti 13/06/15 mana dubartii deessetti (gaafa nafa dhiqaa Aadde Misraa Yusuf) taasiseen akkan hubadhetti, dubartii deesse takka Qanafaan kan itti godhamu gaafa nafa dhiqaati.

Dubartii ilma deesse bultii jaha/afuritti nafa dhiqaan waan taasifamuuf, Aadde Misraanis ilma waan deesseef bultii jahatti nafa dhiqatte. Yoo intala kan deesse ta'e immoo akkuma yeroo ililfannaa shan/sadi ililfatan bultii shan/saditti nafa dhiqani. Gaafa nafa-dhiqaa Aadde Misraa dubartoonni ganamaan uffata walitti qabanii laga bu'anii miiccani. Ittaansee naannoo sa'aa boodaa haawwan manatti walitti dhufuun warri kuun bishaan deessuurraa nafa ittiin dhiqan abiddaarra yoo kaahan, dubartiin hangafaa Siinqeefi Baarreetti bishaan guutattee (osoo jiraatee aannan guuttatti ture) qabachuun gara lagaa deemuun margaafi baala deessuun irra teesssee nafa dhiqattu fidde. Dubartiin laga buutee margaafi baala fiddu tun dura manaa yoo baatu muuddattee baati. Yoo fiddee dhuftus muuddattee waan fiddee dhufte elelfattee boroo keessi. Sababni Baarreetti bishaan guuttattee deemtuuf yoo sirna akkanaatiif deeman sirnichi guutuufi jiidhaa ta'uusaa mul'isuufi. Kana booda deessuu baala lagaa fidanirraa teessisuun yeroo jaha ililfatanii margaan bishaan itti facaasuun qaama dhiqu. Erga qaama dhiqanii ittaansuun daa'ima baachisanii Qanafaa itti godhu. Yeroo deessutti Qanafaa hidhan bitaa mirgaan Siinqee itti hirkisanii margaan elelfachaafi eebbisaa itti hidhu (suuraa 02 ilaali). Yeroo ammaa deessuun Qanafaa hindheessarraa sirnaan became kan (suura 01 ilaali) tolfattee gochaa hinjirtu (boqonnaa 8 ilaali). Kan isaan godhachaa jiran haaluma suuraa 02 irraa mul'achaa jiru callee bifa Qanafaatiin dirameedha.





**Suuraa 01: Qanafaa isa sirriifi haawwan yeroo amma duraa godhachaa turan ibsu (A/Heexosaa Caamsaa 4, 2015 kaafame).**



**Suuraa 02: Meeshaa bara ammaa dubartiin deesse bakka Qanafaa buusuun godhachaa jirtu (A/Heexosaa, Guraandhala 13/2015 kaafame)**

### b. Kunuunsa Deessuuf Taasifamu

Gochaalee da'umsaan walqabatanii taasifaman keessaa isaan biroo daa'imaafi haadha kunuunsuu, deessuun baga si hiike jechuufi deessuun Qanafaa buufachuudha. Dubartii deesse takka maatiin ishee haala garagaraatiin isheefi daa'ima isheetiif kunuunsa barbaachisu taasisuufi. Akkasumas, firoottan isheefi namoonni ishee waliin hariiroo qaban kennaa adda addaa qabachuun baga si hiike jedhuuni. Deessuun baga si hiikee keessatti wanti namoonni gumaachaniif, nyaataafi dhugaatii dabalatee kennaa adda addaa ta'uu danda'a. *Akka aadaa keenyaatti deessuu wayyuudha; 'yoo deessuudhaa hingumaachi loon laga hinyaa'an'* jedhama (Aadde Ashoo Tongolaa, Aanaa Heexosaa, Caamsaa 2015). Akka yaada Aadde Ashoorraa hubachuun danda'amu deessuudhaan baga si hiike yoo jedhan waan bu'aa loonii ta'eefi bu'aa loonirratti hundaa'ee hojjetame (Marqaafi Aannan) qabatanii kan dhaqan ta'uudha. Qorannoo kana boqonnaa afur jalatti akkuma ibsame, Oromoo Arsii biratti looniifi bu'aan loonii iddoo

guddaa qaba. Haaluma kanaan deessuuf kan gumaachaan waanuma bu'aa loonii ta'erratti hundaa'u jechuudha.

**Kunuunsa Abbaa Warraa Haadha Warraatiif: Bu'ura Saala Daa'ima Dhalatteetiin**

Namoota yoo dubartiin deesse kunuunsa taasisaniif keessa tokko abbaa warraa isheeti. Akka haawwotiin yeroo marii garee kaasanitti, abbaan warraa daa'imni dhalattee dhiira ykn dubara ta'uun walqabatee akkaataan inni itti gammaduufi haadha warraasaa deesseef kunuunsa taasisu adda. Yoo kan dhalate dhiira ta'ee heddu gammada; yoo dubartii taate kana mara miti. Odeef-kennitoota Aanaa Heexosaatti yaada naaf kennan keessaa Aadde Gisuu Kadiir akka ibsanitti, abbaa warraa keessumaayyuu, yoo haati warraasaa duras dubara, ittaansitees dubara kan deessee ta'e, akka waan isheen harkaan tolchitee, yoo namoonni maal deesse jedhanii isa gaafatan: *Isheen duraanuu beektii dubartii deessii na dhiisaa*' jechuun ibsa. Akkasumas, yoo haati warraa deddeebistee dubaruma kan deessu ta'e, kabaja akka yoo dhiira deesse kennuuf hinkennuuf ta'a. Bal'inni yaada kanaa yeroo marii garee xiyyeeffannoon argame kan ittaanu kana.

> *Yoo kan dhalatte dubartii taate abbaan warraa hanga yoo dhiirri dhalatee san gammaduu dhabuurraan kan ka'e, haadha warraaf hoolaa hinqalu. Kan dhalate yoo dhiira ta'e, abbaan warraa afaaniillee baasee gammaduu baatu, namnis baga ilma argattee jedheeti irra caalaa gammadaaf waan ta'eef, anniisuma keessa gammada. Kanaaf, namichi kun yoo haati warraa dhiira deesse wanti inni hintaane hijiru. Fakkeenyaaf, ani gaafaan ulfa ture daa'imni ani garaa qabu durba ta'uu manni yaalaa natti himee osoo jiruu abbaa warraa kiyyaan dhiiraan jedhe. Kanarra ka'uun hoola qalmaa naaf qopheesse. Ta'us, daa'imni yoo dhalattu durba taanaan naaf qaluu dhiise. Haati warraa yoo intala deesse abbaan garaatti yaa Rabbi maaf dhiira naaf hingodhin dubarri ganduma dhaqxeeti nama arrabsiisti jedha.* (MGX: Aanaa Heexosaa, Waxabajjii, 2013)

Yaada marii garee MGX kanarraa wanti hubatamu, akkuma haawwan yoo dhiirri dhalatu kan yeroo durbi dhalatte caalaa gammadan, caasaan ijaarsa aadaafi duudhaa hawaasaa tokkuma ta'uusaatiin, abbaanis yoo haati warraasaa durba deesse kana hunda gammaduu dhiisuurran kan ka'e haadha warraasaafi daa'ima dhalatteef wantoota tokko tokko gochuu dhiisa. Yoo kan dhalate dhiira ta'e immoo baay'ee gammaduurran kan ka'e, waan baay'ee raaw'ata. Kana gochuu abbaa warraatiif bu'urri bakkaafi ilaalcha ilmi hawaasa keessatti qabuudha. Akka aadaafi duudhaa hawaasaatti, bakki dubartiin hawaasa keessatti qabdu dhaanamuu, arrabsamuu, tuffatamuufi kkf waan ta'eef, abbaan haati warraasaa intala deesse, intalli tiyyas gaafa heerumte

ganda dhaqxe intala haadha akkanaa, intala abbaa akkanaa jedhanii sababa ishee nu arrabsan jedhuun amana. Kanumaan walqabatee, akka ragaan argame ibsutti, ammallee ta'uu baatu, yeroo durii abbaan warraa yoo ijoollee dubaraa malee dhiira dhabe akka waan haati warraa dubara malee dhiira dahuu diddeetti hiika ykn irraa adda baha.

### c. Sirna Qanafaa Bobbaasuu

Yeroon itti dubartiin deesse Qanafaa hiikkatu saalli daa'ima dhalattee dhiira/durba ta'uurratti hundaa'ee garaagarummaa qaba. Innis akkuma yeroo ililchaa walcaalu, dubartiin dhiira deesse kan durba deesserra ji'a jaha/afur Qanafaa godhatee hiikkatti. Kan durba deessemmoo deessee ji'a shan/saditti hiikkatti. Yaadni kana ibsu afgaafiin argame ittaanu kana.

> *Deessuun Qanafaa gaafa nafa-dhiqaarraa godhatte kan dhiira deesse yoo ta'e ji'a jaha/afuriif, kan intala deesse yoo ta'e ji'a shan/sadi booda ofirraa buusti. Haawwan durii haati ilmaa haadha intalarraa wayyooma qabdi jedhanii ji'a jaha/afur Qanafaan irra tura. Kun dhiiraa dubartii walcaalchisumaafi. Dubartiin ammaa waanuma Qanafaatuu hinbeektu; wayyoomni deessuu hafeera (AFG: Safiyaa Burqaa, Aanaa Diksiis, Sadaasa, 2014).*

Qanafaan wayyooma ykn kabaja dubartii deessee kan ibsuudha. Kanaaf, akka ijaarsa aadaafi duudhaa Arsiitti, haati dhiira deesse ishee dubara deesse caalaa yeroo dheeraa Qanafachuun wayyooma argatti. Ji'a jaha/afur bakka deemte hundatti kabajniifi dursi kennamaafi; haati dubraa ji'a shan/sadiif qofa kunuunsa haati ilma deesse argatte kana argatti. Kun kan ta'eef egaa akkuma ibsamaa ture, dubartiin warraaf homaa hingootu qa'ee warra ishee gadhiiftee deemti, dhiirrimmoo qa'ee warrasaatti hafa, warrasaas kan dhaalu isa; isatu warraaf caala ilaalcha jedhu ibsuufi.

Akka Aadde Amiinaa Galatoo (Aanaa Muunessaa) yeroo afgaafii ibsanitti, dubartiin deessee ji'a jaha/afur ykn shan/sadiif Qanafaa godhachaa turte takka Qanafaa ofirraa kan buuftu sirnaani. Deessuun ji'a jaha/afur ykn shan/sadiif godhachaa turte takka guyyuma tokkoon kaatee Qanafaa ofirraa hinbuustu. Jalqaba akkuma saala daa'ima deesseetiin gaafa Qanafaa buusuuf jiini tokko ishee hafu Qanafaa addarra ture gara mormaatti gadi deeffatti. Kunis, Qanafaa gaddeeffachuu jedhama. Ibsisaas, dubartiin deessee ji'a jaha/afur ykn shan/sadi Qanafaa godhachaa turte takka yeroo dhihootti Qanafaa hiikkachuuf kan deemtu ta'uu mul'isa. Dubartiin deesse turtii ji'a jaha/afurii ykn shan/sadi booda Qanafaa hiikkachuun guyyaa kanarraa eegaltee gochaalee yoo

Qanafaa ofirraa qabdu raaw'achaa hinturre, fakkeenyaaf, abbaa warraa waliin walitti deebitee ciisuu fa'a eegalti jechuudha.

> *Sirni dubartiin Qanafaa dahumsaa booda ji'a jaha/afur ykn shan/sadi godhachaa turte ofirraa ittiin buuftu Qanafaa hiikkachuu sirna Qanafaa Bobbaasuu jedhama. Dubartiin yoo Qanafaa Bobbaastu: Gaadii, Margaafi Aannan Xuuxxootti qabattee jabbiilee bobbasuun achumaan mana hangafaa dhaqxee daa'imas eebbisiisuun Qanafaa buufatti* (Gannaalee Woyyaa, Aanaa Heexosaa, Waxabajjii, 2013).

Wanti Qanafaa bobbaasuu jedhamuuf, akkuma namni tokko yoo loon mooraa yaasu loon bobbaase jedhamu, dubartiin Qanafaa ji'a jaha/afur ykn shan/sadi da'umsaan booda isheerra taa'e kana sirnaan yoo ofirraa buuftu sirna Qanafaa Bobbaasuu jedhame. Sirni Qanafaa Bobbaasuu kun bobbaasuma dhugaa akka fakkaatu, dubartiin gaafa Qanafaa hiikkattu daa'ima baachuun meeshaalee safuu kanneen akka Gaadii, Margaafi Aannan Xuuxxootti qabattee jabbiilee bobbasuun achumaan mana hangafaa deemuun eebbisiistee achumaan daa'imaaf maqaas moggaasifti. Ragaan argame akka mul'isutti, sirna eebbisiisaarratti haalli daa'imni dhiiraafi durbaa itti eebbifaman tokkuma. Tarii wanti adda taasisu yoo jiraate maqaan daa'imaa yoo dhiira ta'e maqaa dhiiraafi yoo dubaraa taate immoo maqaa dubaraa itti moggaasuudha. Kun ta'us akka oddef-kennitoonni ibsanitti, sirni kun yeroo ammaa hinjiru (Boqonnaa 8 ilaali). Gaafa Qanafaa hiikkattu deessuun wantoota akka Gaadii, Margaafi aannan qabattee jabbiilee bobbaasuun fakkoommii mataasaa qaba. Waa'een fakkoommii kutaa mataasaa (Boqonnaa 6 ilaali) qaba waan ta'eef, asitti ibsuun hinbarbaachisu.

Raaw'ilee sirna dhalootaan walqabatanii taasifaman hanga yoonaa ilaalaman keessatti hawaasni dhalachuu ilmaa kan intalarraa akka fedhutu hubatame. Kun immoo kan ta'e yaadni odeef-kennitoonni kaasan akka mul'sutti, *"ilmi araddaa keenya, inni akka intalaa qa'ee keenya dhiisee araddaa ormaa hinta'u"* (H/Gammachuu Mi'eessoo, Aanaa Muunessaa, waxabajjii, 2014) ilaalcha jedhuudha. Kanaaf, kana sirritti hubachuuf ilaalchi *'araddaa keenyaafi ormaa'* jedhu maal akka ta'e kutaa ittaanu keessatti bal'inaan ibsamuun dhihaateera.

#### 5.1.4. Duudhaa Oromoo Arsii keessatti Yaadrimee Araddaa Ofii-Ormaa

Oromoon Arsii yaadrimee araddaa ofii-ormaa jedhu akkamiin akka hubatuufi ibsu baruuf, gaafiilee Oromoof araddaan maali? Oromoon yaadrimee araddaa ofii-ormaa jedhu akkamiin ibsaa? jedhan kaasuun barbaachisaadha. Yaadrimee Oromoof araddaan maali? jedhu

manguddooleen aanaalee sadanitti yaada kennan akka ibsanitti, Araddaan, Oromoof bakka qabeenyi ykn wantoonni mul'atanis ta'ee hinmul'anneen itti bu'uraawuun itti fufiinsa sanyiifi jireenya boruutiif gumaacha taasisaniidha. Araddaan lafas; lafa gabbataa misoomaaf oolu, lafa wantoota jireenyaaf murteessoo ta'an irratti horatan—bakka qotanii irraa nyaatan, sa'aa nama horanii irraa yaafatan, ijaarratanii irra jiraataniidha. Lafa aadaa, safuu, amantaafi duudhaasaa irratti ijaaruun dhaloota itti aanu dhaalchisuun ofummaasaa itti fufsiisu; bakka maqaansaa itti ka'u, seenaansaa itti hundaa'uufi yaadatamu, warri ebelummaafi eenyummaansaa itti beekamuudha.

Oromoon araddaa yoo ibsu araddaa kiyya/ofiifi kan ormaa jechuun qooda. Gaafa ilaalcha *araddaa ofii* jedhuun ibsu, wanta Araddaan qabduufi araddaa kiyya, lafa anummaa kiyya ittifufsiisuun eenyummaa kiyya mul'istuudha jechuun ofitti aanfachuun jajata. Gaafa ilaalcha *aradddaa ormaa* jedhuun ibsu immoo, waan araddaan kennituufi araddaa kan ormaati homaa naaf hingootu jechuun ofirraa fageessa. Oromoon yaadrimee araddaa ofii-ormaa jedhurratti hundaa'uun ilaalcha kiyyummaafi ormummaa araddaarratti qabu ilmaa-intalaan walqabsiisuun kun kiyya, kun kan ormaati jechuun leelloo ilmaa-intalaa qabu ibsa. Kanaaf, Oromoon Arsii ijoo araddaa ofii-ormaa jedhurratti hundaa'uun leelloo ilmaa intalaa qabu akkamitti akka mul'isu kutaa ittaanu keessatti dhihaateera.

### Leelloo Ilmaa Intalaa Bu'ura Yaadrimee Araddaa Ofii-Ormaatiin

Falaasamasaa keessatti Oromoon Arsii ilmaa-intala yoo ibsu, yaadrimee araddaa Ofii-Ormaa jedhurra naanna'a. Yaadrimee araddaa ofii-ormaa jedhuurratti hundaa'uun ilmaan araddaa kiyya, intalaan immoo araddaa ormaa jedha. Ijoo kana ragaa ittaanurraa haa ilaallu.

> *Nuti Oromoon durba baay'ee hinbarbaannu; durbi araddaa ormaati homaa namaa gootu. Durba ormaaf dhalchina; ilmatu araddaa keenya. Isatu araddaa keenyarratti hafee bakka nu bu'uun waa hunda keenya dhaala; warra ebelummaa keenya itti fufsiisa. Kanaaf, waa hunda keenyarratti akka hirmaatu, beekumsa argatuufi jabaa ta'u goona (AFG:* Muhaammad Gammachuu, Aanaa Diksiis, Sadaasa, 2014).

Oromoon yaadrimee araddaa ofii-ormaa jedhu fayyadamuun gahee ilmaa-intalli caasaalee hawaasaa adda addaa keessatti bahuu danda'aniifi hindandeenye ibsuun daangessa. Kunis, dhalootaarraa qabee hanga gaafa du'aatti ilmaa intalli eenyummaa akkamii qabachuun maal ta'uu akka danda'aniifi hindandeenyeefi maaltu ta'uufii akka qabuufi hinqabne murteessa.

Ilaalcha araddaa ofii-ormaa jedhurratti hundaa'uun intala caalaa ilmi barbaadamaa akka ta'etti, maatiin daa'ima argachuu barbaadu tokko durba caalaa dhiiraa dahuu/argachuu hawwu. Kunimmoo leelloon hawaasni ykn namni dhuunfaan dhiiraaf qabu olaanaa, kan dubartiif qabu immoo laafaa akka ta'uuf karaa bane. Ilmi intala caalaa akka leellifamu wanti bu'ura buuseefi ijoon, yaadrimee araddaa ofii-ormaa jedhuudha.

Oromoon Arsii yaadrimee araddaa ofii-ormaa rratti hundaa'uun ilmi Araddaa keenya; intalli immoo araddaa ormaati jechuun ibsa. Oromoon bakkaafi jaalala Araddaasaatiif qaburraa ka'uun, nama Araddaa kiyya jedhuun—ilma irra caalchisuun leellisa, jajata, kunuunsa addaa gochuufiin bakka addaa kennaafi. Ilmoo durbaa immoo araddaa kiyyaarratti haftee nan dhaaltu, isheen araddaa ormaati jechuun bakka ilmaaf qabu ishee dhoorkata ykn ishee hanga ilmaa leellisuun jajatuu dhiisa. Kana jechuun, Oromoon intala ni jibbaa jechuu osoo hintaane, falaasama Oromoo keessatti leelloon ilmi qabu kan intalaatii oli. Kana keessatti, ijjannoon qorannoo kanaa Oromoon intala sababa isheen heerumaan qa'eesaa dhiistee deemtuuf ilma irra leellisa; kunimmoo dhiibbaa qaba kan jedhu malee, intalli heerumuu hinqabdu kan jedhuu miti. Kanumaan gara gaaffii Oromoon maaliif ilma intalarra leellisaa? Jedhutti yoo ce'amu mata-dureeleen ittaanaan yaada kana ifa gochuuf oolu. Isaanis: maqaa waamsisuu/dhoofsisuu, araddaa itti fufsiisuufi fudhatee galuufi fudhatamtee deemuu jedhaman qindaa'uun dhihaataniiru. Mata-dureeleen kunneen Oromoon maaliif ilma intalarra akka leellisu caalaatti kanneen balbaloomsaniidha.

### a. Maqaa Waamsisuu/Dhoofsisuu

Akka aadaafi duudhaa Oromootti, ijoolleen kan waamamtu nama maatiin araddaa keenyaa ittiin jedhu ilma—maqaa abbaatiini. Kanarraa kan ka'e, ijoollee nama araddaa keenya jedhamuu—kan ilmaatu maqaa warraa/gosaa waamsisa malee kan intalaa, kan araddaa ormaatti jedhamtuu miti. Ijoolleen intalli takka deesse kan himatan, gosasaanii kan lakkaa'atan warra intalli irraa dhalatte osoo hintaane, warra intalli itti heerumteedha. Yaada kana sirritti hubachuuf, ragaa afgaafiirraa argame kan armaan gadi kana ilaaluun gaariidha.

> *Akka aadaa keenyaatti, ijoolleen gosa kan lakkaa'attu gara abbaatiin malee, gosa haadhaaa, kan warra soddaatiinii miti. Intalli heerumaan warra isheetii yoo baate isheenis warra ishee dhiiftee kanuma warra itti heerumtee taati. Kanaaf, ijoolleen isheen hortus gosa warra ishee maqaa hindhahatan; gosa warra abbaatiin waamamu. Intalli araddaa ormaati kan jennuuf kanaafi. (AFG: Nafiisaa Kadiir, Aanaa Diksiis, Guraandhala, 2014)*

Ragaan kun akka mul'isutti, duudhaa Oromoo Arsii keessatti, gosni ijoollee warra tokkoo kan lakkaawwamu gosa warra haadha irraa dhalatanii osoo hintaane, gosa warra abbaasaan dhalcheetiini. Cimsa yaada kanaa, daaw'annaa Adooleessa 28/2015 Aanaa Heexosaa cidharratti taasifameefi afgaafii yeroo daaw'annaa namoota gaafadheen akkan adda baaseetti, akka duudhaa Oromoo Arsiitti, intalli takka yoo heerumtu, warri fuudhe Rakoo—hoola haadhoo yoo intala manaan gahan itti qaluun warroomfatan, itti qalanii miinjee itti bulchuun kan ofii taasifatu. Sirna Rakootiin walqabatee Badhaasoo (2000, ff. 200) akka ibsetti, sirni rakoo kan warri gurbaa intala fuudhaan takka kan ofii itti taasifataniidha; "Rakoo wanti qalaniif akka hinbaaneef" Akka ibsa Badhaasootti, warri gurbaa akka intalti isaan dhiistee hindeemneef rakoo itti qalanii warroomfatu. Kanaaf, ijoolleen intala warri tokko rakoo itti qaluun warroomfatanirraa dhalatan, akka duudhaatti intalluu kan warra itti heerumteeti taati waan ta'eef, gosa abbaa isaaniitiin waamamu jechuudha. Ijoolleen isheen deessu maqaasheetiin waamamuun maqaa gosashee itti hinfufsiisani. Kana jechuun, maqaan warra/gosa tokkoo karaa ijoollee intalaa osoo hintaane, karaa ijoollee ilmaa ka'a jechuudha. Ijoo kana ragaa manguddoon tokko yoo ijoolleen ilmaafi intala isaanii walmorman waan dhagahan fakkeenya fudhachuun yeroo afgaafii ibsan ittaanu ilaaluu dandeenya.

> *Intalli ilma kiyyaa intala intala tiyyaatiin: ani intala ilmaa waanan ta'eef, maqaa warra (akaakayyuu) kiyyaa nan waamsisa; ati garuu abbaa haadha teetitiif ilmoo intalasaa waan taateef, maqaa warrashee hinwaamsiistu jetteeni* (AFG: Obbo Koorsaa Tulluu, Aanaa Heexosaa, Waxabajjii, 2013).

Ijoolleen hawaasaa ilma leellisu keessatti dhalatanii guddatan umruma xiqqeenyaarraa qabanii aadaafi duudhaa ilma leellisutti madaquun isaanis haallicha calaqqisiisani. Akkuma ragaan argame mul'isu, ijoolleen ilmarraa dhalatan ijoollee intalarraa dhalataniin nuti ilmaan gama dhiiraatiin dhalanne waan taaneef, maqaa gosa abbaa keenyaa mul'isne jechuun olaantummaa isaanii agarsiisani. Duudhaa keessatti guddatanirraa ka'uun, ijoolleen ilmaa ijoollee intalaatiin haatisaanii heerumtee araddaa ormaa waan taateef, maqaa gosa warra ishee waamsisuu akka hindandeenye ibsani. Akka aadaafi duudhaa Oromootti, sababa warroommii sarara dhiiraarra deemuutiin, intala takka ishee qofatu abbaasheetiin waamama malee, wanti isheen horte marti gosa abbaa manaasheetiin waamamu. Kanarraa ka'uun egaa Oromoo Arsii biratti, ilmi maqaa kiyyaafi gosaa waamsisa, intalli hinwaamsistu jedhamuun ilmi eenyummaa intalarra ittiin leellifamu qabaate.

Sarara abbaarra deemuun akka Oromoo qofatti osoo hintaane, akka Kasim (2017, ff. 855) ibsetti, ummatoonni addunyaa sirna kanarratti hundaa'uun ofqindeessani. Yaadni Kasim kaa'es: "In general, people around world organize themselves or arranged in a patriarchal society" kan jedhuudha. Ibsi yaadichaas akkuma waliigalatti namoonni addunyaarra jiran bulchiinsa dhiiraarratti hundaa'uun kan ofqajeelchan ta'uudha. Oromoos dabalatee ummanni sirna bulchiinsa dhiiraarratti hundaa'u immoo waan hunda yoo raaw'atu—fakkeenyaaf, gosa kan lakkaa'atu sararuma abbaarra deemuuni. Adeemsa sarara abbaarratti hundaa'een sanyiin lakkaa'amuun walqabatee dubartoota hawaasa keessatti kallattii adda addaatiin maqsaan hawaasaa—waan ilmi argatu intalli dhabuun, irra gaha (Sultana, 2018).

Ilaalchi sarara dhiiraa jedhu kan sanyiin ykn sararri maatii isaan murtaa'u, akka Allanana (2013) ibsitetti, hawaasa keessatti bu'ura cimaa qaba. Sababa ilaalcha kanaarraa ka'een sararri dhiiraa sarara dubartiirra caalaa akka olaantummaa argatu ta'e. Ilmi intalarra nama maatiin ittiin boonu; fakkeenyaaf, nama maatiin maqaasaatiin abbaa/haadha ebeluu jedhamee waamamuuf filatu ta'e. Kanarraa ka'uun dhiiraaf bakki olaanaan kan kenname ta'uu Allanana (ff. 116) yoo ibsitu: "culture of patriarchy is a very strong determinant of male dominance over female and as a result men will sit back in the family to keep the family name and lineage growing while women will be married out" jettee keessi. Kunis kan ibsu, sarara abbaarratti hundaa'uun yoo dubartiin warrashee dhiistee deemtu, warri dhiiraa namoota maqaa ykn araddaa warrasaanii yaamsisan, kan eenyummaan/ebelummaan warra sanaa ittiin beekamu, kunuunfamuufi turu ta'uun olaantummaa argatani. Kun kan agarsiisu, dhiirri eenyummaa gosa keessaa dhalatee mul'isuu isa dandeessisu kan qabu ta'uufi dubartiin immoo eenyummaa kana kan hinqabne ta'uu isheeti.

### b. Araddaa Itti Fufsiisuu

Yaadni ilmi maqaa keenya waamsisaa jedhu karaa ilmaa maqaan warraafi gosaa ka'uun alattis, ilmi araddaa warrasaa dhaaluun eenyummaa isaanii itti fufsiisa jedhama. Oromoon ilma '*nama boru araddaa kiyyarratti hafuun bakka na bu'ee araddaa kiyyaafi safuu araddaan kiyya qabu itti fufsiisuudha'* jechuun abdata (Aabbuu Gammachuu, Aanaa Diksiis). Durba immoo '*isheen homaa namaa hingootu, heerumaan ganda dhaqxi, araddaa ormaati, boru araddaa tiyyarratti hafuun bakka na hinbuutu*' jechuun laaffisa (Aabbuu Gammachuu, Aanaa Diksiis). Nama boru bakka na bu'u jechuun, nama gaafa maatiin du'e bakkasaa bu'uun eenyummaafi waa hundasaa

itti fufsiisu jechuudha. Akka aadaafi duudhaa Oromoo Arsiitti, ilmi warri yoo jiranis ta'ee du'an, araddaa warraarratti hafee dhaaluun sirnootaafi dhimmootaa adda addaarratti hirmaata. Kanaaf, sirnootaafi dhimmoota hawaasummaa, aadaa, amantaafi kkf irratti warrasaa bakka bu'uun hirmaatee maqaa warraa waamsisuun warri kun nama bakkasaanii bu'uun qa'ee isaanii mul'isu qaba jechisiisa. Ragaan ittaanu marii garee xiyyeeffannoon argame kana ibsa.

> *Ilmi jiruunis ta'ee du'arratti warra bakka bu'ee awwaachuu danda'a. Intala garuu, sirnoota adda addaa akka raaw'atuufi irratti owwaattu hinkennamneefi. Fakkeenyaaf, intalli gaafa warri ishee du'e qa'ee warrasheetti yoo namni eebbisu ameen hinjettu; soodduus warraaf hindhaabdu. Kanaaf, 'beektu dubartiirra dabeecha dhiira wayya' jedhama. Dubartiin hanga feete yoo beektellee sirna warrarratti safuu waan hinqabneef, dabeechuma dhiiraa santu waamama.* (MGX: Aanaa Muunessaa, Waxabajjii, 2013)

Yaada kanarraa wanti mul'atu, akka aadaafi duudhaatti, ijjannoo ilmoon durbaa hanga ilmaa warraaf waa gochuu hindandeessu jedhamuurraa kan ka'e, cimtuu intallaarra laafaa ilmaa wayya kan jedhuudha. Intalli hinkennamneef waan jedhamuuf, jiruunis ta'ee du'aan bakka warra ishee buutee araddaa warraa dhaaluun sirnoota akka hawaasaatti jajjaboofi beekamoo jedhamanirratti hirmaachuun hinoowwaattu. Turtii hawaasa keessa turameen akka daaw'atametti, sirnoota—Gadaa, Malkaafi dhimmoota adda addaa dursuun eebbisuufi kkf, warri tokko raaw'achaa ture boodarra ittaanuun kan itti fufsiisu ilma. Intalli sababa ilaalcha araddaa ofii-ormaa jedhu daa'imummaarraa itti saaxilamtee carraan isheen sirnoota akkanaa dandeettii hoogganummaa barbaadanirratti hirmaachuuf qabduu hinjiru. Kana jechuun, adeemsuma ilmi araddaa warraa waamsisaatiin Malkaas dabalatee, sirnootaafi safuu warraa itti fufsiisuuf aangoo kan qabu, jiruunis ta'ee du'aan bakka warraa bu'uun kan owwaatu, kan dhaalu ilma. *"Ilmi barbaadamaa ta'uu ibsuuf: Namni ilma Sooddu dhaabuuf hinqabne du'a lama du'e jedhama"* (AFG: Dammoo Galatoo, Aanaa Heexosaa, Waxabbajjii, 2013).



**Suuraa 03: Soodduu Awwaala Abbaarra Ilmi Bara Durii Dhaabuu (Adoolessa 04/2015 kaafame) (Amma maaltu ta'aa akka Jiru Boqonnaa Saddeet jalatti ibsameera)**

Warri du'e namni yoo eebbisu, durbi akka nama araddaa warra ishee dhaaluu takkatti ameen jettee eebbi sun araddaa sanaaf akka bulu hingootu. Soodduus abbaa isheef dhaabdee, edaa warri kun ilmoo qaba? hinjechisiistu. Akka Oromoo Arsiitti, Soodduun meeshaadaa awwaala dhiiraarra dhaabbachuun bakka namni dhiiraa tokko itti awwaalame ibsuudha. Meeshaadaan kun akka aadaatti kan dhaabbatuus dhiiraaf malee dubartiif miti. Akka duudhaa Oromoo Arsiitti, meeshaa asitti awwaalamee dhiiraa mul'isu 'Soodduu' awwaala abbaarra dhaabuu kan danda'u ilma. Ilmi ofumasaatinuu akkuma meeshaa aadaa awwaalarra dhaabbatee bakka awwaalaa nama tokkoo ibsu kanaa, araddaa warraa dhaaluun asturanii warraa kan mul'isuudha jedhama. Namni tokko ilma dhabuun namni bakka isaa bu'uun qa'eesaa dhaalu kan hinjirre yoo ta'e, 'du'a lama du'e' jedhama. Du'a lama du'e jechuun, du'a lubbuufi du'a maatiin tokko intala malee ilma dhabuun namni araddaa dhaalu dhabamee eenyummaan warra tokkoo badu jechuudha. Kanarraa ka'uun intala yoo ibsan jechamaan: *"intalli/durbi maal namaaf gooti, waa Soodduu namaa dhaabdii? jedhu"* (AFG: Xayyibaa Sh/Galatoo: Aanaa Diksiis, Sadaasa, 2014).

Faayidaa ilmi namaa kennu intalli hinkennitu jedhamurraa ka'uun maatiin intala malee ilma hinqabne akka dhala malee hafeetti ofilaala. Duudhaa Oromoo keessatti namni ilma isa dhaaluun eenyummaasaa itti fufsiisu hinqabne, jireenya isaa keessatti akka hir'ina tokko qabuutti gaabbiin jiraata. Kanaaf, hanqina jireenya isaa keessatti 'ani ilmoo malee hafe, araddaan tiyya nama dhaalu hinqabdu' jechuun qabu guutuuf, haadha warraa biraa fuudhee haadhaa warraa dhabde sanaaf guddisa. Yoo kanaanis milkaa'uufii dide ilma manaa dhabe alaa guddifata.

> *Akka aadaa keenyaatti, ilmas ta'ee intala yoo dhabne Sirna Qanafaatiin guddiffanna. Dubartiin ilmoo dhabde dubartiin deessu akka kennituuf, yoo isheen garaa qabdu akka ilmoo kennituuf gaafatti. Isheenis yoo deesse yeruma deesse sana daa'ima kennuufiin isheen dhabde fudhatte ulmaa ciifti. Yoo intala malee ilma dhabne, intalli kan ormaati; ilma guddiffanna. Yoo ilma qabaannee intala dhabne kana hunda guddiffachuuf ganda hindhaqnu* (MGX: Aanaa Diksiis, Sadaasa, 2014).

Duudhaa Arsii keessatti, dubartii dhabduun dubartii deessuurraa ilmoo fudhachuun akka deesseetti sirni deessuuf ta'u ta'uufiin—fakkeenyaaf, meeshaadaan deessuun wayyuu ta'uu ibsu Qanafaan *("qananii qaamaa"* AFG: Leencoo Jiruu: Aanaa Heexosaa, Waxabajjii, 2013) godhamuufiin ulmaa ciifti. Hawaasa sirna warroommii sarara dhiiraarratti hundaa'e keessatti, durba qabaachuufi dhabuun jireenya maatii tokkoo keessatti dhiibbaa kan qabu ta'uu dhiisuu mala. Namni tokko gaa'ela ijaarratee ilmoo akka tumaa aadaafi duudhaatti bakka isa/ishee bu'ee ebelummaasaa/ishee mul'isu—ilma argachuu fedha/feeti.

Yaadni *durbi maal namaa gootii?* kan mul'isu, duudhaa Arsii keessatti intalli alatti gadi lakkaa'amuun *kan ormaati* jedhamaa ilmi intalarra kan leellifamu ta'uudha. Yaada kana Sultana (2018, ff, 105): "Girls are presented as valueless for a family and her best place is her in law's house" jechuun kaa'e. Yaadichis kan ibsu, durbi warra ishee daheef bu'aa akka hinkennineetti fudhatamti; kan isheen fayyaduufi bakki isheen jiraattu inni sirriin warra ishee fuudhu bira kan jedhuudha. Haaluma walfakkaatuun duudhaa Oromoo keessatti durbi gaafuma dhalattee eegalee *'durbi kan ormaati homaa namaa hingootu dhiira wayya'* jedhamaa gaheen hojii ishee murtaa'aa guddatti.

Yaada intalli maal namaaf gooti jedhuuf yaadni ka'umsaa jira. Innis jalqaba, akkuma ragaa (MGX) fi daaw'annaan argamee armaan olii keessatti ibsame, akka intalli wantoota adda addaarratti gahee hinqabaanne—warra bakka bu'uun sirnootarratti hirmaachuu, du'arratti ameen

jechuu, Soodduu dhaabuufi kkf gochuu hindandeenye ta'e. Ittaansee immoo waan tumame kanarraa ka'uun intalli (dubartiin) kana gochuu hindandeessu jedhamtee waan ittiin komatamtu ykn waan ilmi intalarra ittiin leellifamu ta'e. Haala kana yaada Ryan (1976) Schaefer & Lamm (1995) irratti 'miidhamtoota komachuu' jechuun ibsamerratti hundaa'anii ibsuun nidanda'ama. Kunis, akka ilaalcha hawaasaatti intalli akka ilmaa carraawwan wantoota adda addaarratti hirmaachuu dhabdee osoo jirtuu, innumti kun deebi'ee akka dadhabina isheetti ilaalamee '*durbi homaa namaa hingootu'* jedhamuun meeshaa ittiin komatamtu ta'e.

### c. Fudhatee Galuufi Fudhatamtee Deemuu

Dhimmoota ilma intalarra filatamaa taasisan keessaa inni biraa ilaalcha fudhatee galuufi fudhatamtee deemuuti. Sirna fuudhaa heerumaa keessatti dhiirri qa'ee warra intalaa dhaquun fuudhee gara qa'ee warrasaa gala. Kanaaf, Oromoon ilmi qaama fuudhee qa'eetiin galu malee, qaama fuudhamee qa'ee ormaa dhaqu miti jechuun irra leellisa. Kanaan walqabatee ragaan daaw'annaan argame kanuma kan mirkaneessuudha. Daaw'annaa Caamsaa 21/14 Aanaa Diksiis Gaa'elarratti mana intala heerumtuutti argamuun taasiseen akkan hubadhetti, ilmi warra intalaa dhaqee intalaafi meeshaa warri isheef kenne fudhatee gala. Kanaaf, qa'een warra intalaa akka qa'ee warra gurbaa san hoo'aafi gammachuu hinqabdu. Fakkeenyaaf, qa'ee warra intalaatti dubartoonni yoo intala gaggeessan:

*'Tartarii Birraan tar tarii*
*Goshiyyaa addaan gargarii*
*Waluu hinarganii*
*Baalee hoo karaan Baalee hoo*
*Goshiyyaa addaan baane hoo'*

Akkasumas, guyyuma kana haawwan akka ibsanitti, qa'ee warra gurbaatti gurbaan yoo galu dubartoonni *'haati intalaa yoona ni boochii, haati gurbaa caammumaan boontii'* jedhu.

Ragaa kana keessatti gurbaan warra intalaatii qabeenyaafi kennaa warri intalaaf kennu dabalatee intala fuudhee kaawoon gara qa'ee warrasaa akka galutu ibsame. Haalli kunimmoo qa'een warra intalaa waan intallirraa deemteef, ho'aafi gammachuu akka hinqabannee taasise. Faallaa kanaammoo gurbaan intala fudhatee waan galeef, qa'eensaa gammachuu qabaatte. Kanarraa ka'uun haalli kun ilaalcha dhiirri fudhatee gala malee, fuudhamee hindeemu jedhu uume. Yaadni ተሊላ (2007: 156) kaase kan '*Niitii fuudhe'* jedhu inni ishee garasaa fudhachuun kan ofii akka

taasifate agarsiisa jedhu yaada kana cimsa. Yaada kana Waliyie (2004) Sapiro (1994) eeruun akka ibsetti, dhiirri eenyummaa fudhachuufi kan ofii taasisuu akka qabaatuufi dubartiinimmoo fudhatamtuu akka taatu kan taasiseedha. Yaada kanarraa wanti ifu tokko, dubartiin kan fudhatamtee deemtu, dhiirri kan fudhatee galu kan jedhuudha. Kunimmoo yaadni 'dhiirri fudhatee gala' jedhu kan ilma intalarra faarsuuf ooluufi bu'ura cimaa qabu akka uumamu kan taasiseedha. Yaada kana urursaan haati durba deesse faarsitu kan ittaanu kun sirritti mul'isa.

> *Gaara suraa ta suraana gamaa*
> *(Intala x 2) siin jedhe falfalamaan*
> *Sabbanni kee sabaree tiyya hoo*
> *Bar hidhaana lamaa*
> *Sittin furuu sittan duudha malee*
> *Singurguruu sabaree tiyya hoo*
> *Sittan fuudha malee* (AFG: Gishuu Kadiir, Aanaa Heexosaa, Sadaasa, 2014)

Hawaasa keessatti maqaan intala jedhu yoo ka'e, amantaan jiru kan heerumaan qa'ee warraa dhiiftee deemtu, araddaa ormaa kan jedhuudha. Kun kan dhufe ijaarsa duudhaa hawaasaa keessatti intalli heerumaan qa'ee warrashee dhiiftee kan deemtuudha qabxii jedhurraayi. Kanaaf, haati tunis dhiibbaa aadaa hawaasaa daheeffatee jiru ibsuuf, isaan intala, intala—kan qa'ee warrashee dhiistee deemtu/araddaa ormaa siin jedhanis animmoo akka ati nama biraa fiddee dhuftu 'Singurguruu *(*sin heerumsiisu), sabaree (meeshaa aadaa aannan itti elmatan) tiyya hoo' sittan fuudha malee jechuun fuudhuun ijoo dhiirri dubartii ol ittiin ta'e ta'uu eerte. Faaruu kana keessatti 'sittan fuudha malee' jechuun faaruu keessa dhokatanii dubartiin fuudhuu akka qabdu, fuudhuu dhabuun ishee akka hanqina qabduuutti akka ilaalamtu kan ishee taasise ta'uu mormite. Haati tun komii qabdu mormii cimaan ibsachaa jirti. Intalasheetiin 'sabbanni kee (wanti/faayidaan ati qabdu) hidhaana (dachaa) lamaa'—sababa ijaarsa hawaasaatiif malee, ati dandeettii dhabdee miti kan laaffifamte/gadiqabamtee, jechuun ijaarsa hawaasaa komate. Kanaaf, 'sittin furuu sittan duudha (mudhiin siif jabeessa) malee'—sin dhiisu sin cimsa, sin jabeessa; sin gurguru—araddaa ormaa sin godhu, sittan fuudha malee jechuun quuqaafi hawwiishee baafatte. Ergaa faaruu daa'imaa kanarraa wanti mul'atu, ilmaa-intalaan walqabatee hawaasa keessa wanti sirrachuufi fooyya'uu qabu akka jiruudha.

### 5.2. Sirna Gaa'elaa Oromoo Arsii Koornayaa Ijaaruu, Ibsuufi Daddabarsuurratti

Mata-duree kana jalatti sirna Gaa'elaa—kan ilmaa intalli walitti dhufanii bultii itti ijaarratan keessatti koornayaan akkamiin akka ijaaramu, ibsamuufi daddarbu xiinxaluurratti xiyyeeffatame. Gaa'elaan mana dhaabbachuu keessatti dhiiraafi dubartiin gahee mataa mataasaanii bahan kan mana ijaarratan sanaaf bu'ura ta'e qabu. Jiruu jireenya keessatti ilmaa intalli dhalatanii erga guddatanii booda isaanis akkuma warra isaan duraa gahee isaanii bahanii bultii ijaarrachuun dhaloota itti fufsiisu. Adeemsa dhiiraa dubartiin waan isaaniirraa eegamu keessa darbuun gaa'ela itti dhaabbatan keessatti waan jedhamuufi raaw'atamuun koornayaatu ijaaramaa deema. Kanaaf kanatti aansuun gosoonni gaa'elaa akka Arsiitti beekaman kam fa'a akka ta'aniifi koornayaa ijaaruu, ibsuufi daddabarsiirratti gahee akkamii qabantu ibsama.

Akka Oromoo Arsiitti gaa'elli gosoota adda addaafi duraa duuba ittiin raaw'atu mataasaa qaba. Kanumaan ittaansee gosoonni gaa'elaa Arsiitti beekaman kam fa'a akka ta'an gabaabinaan ibsamuun, gochaaleen gaa'ela duraafi yeroo gaa'elaa raaw'ataman akkamiin koornayaa akka ijaaran bal'inaan dhihaateera.

#### 5.2.1. Gosoota Fuudhaa Heerumaa Arsii

Akka Oromoo Arsiitti, gosoonni fuudhaa heerumaa beekaman jahatu jiru. Isaanis: Buttaa, Aseennaa, Irra-Dhaabaa, Membeetoo, Dhaalaafi Kadhaa. Gosoota gaa'elaa kanneen keessaa kan hawaasa keessatti bal'inaa raaw'atamuun kabaja qabu kan qorannoo kanaanis bal'inaan irratti xiyyeeffatame sirna gaa'ela kadhaati. Gosoonni gaa'elaa warreen kuun dhimma ta'e tokkoof yeroo ta'etti raaw'atamu malee, yeroo hunda hawaasa keessatti kan raaw'ataman miti. Haaluma kanaan kutaa ittaanu keessatti gosoonni gaa'elaa kunneen maal akka ta'aniifi akkaataa raaw'ii isaanitiin koornayaa ijaaruu keessatti gahee akkamii akka qaban baruuf waa'eensaanii akka ittaanu kanatti gabaabinaan dhihaateera.

##### a. Buttaa

Buttaan adeemsa dhiirri gahe tokko intala takka fedhii isheefi warra ishee malee humnaan bahee fudhachuun haadha warraa itti taasifatuudha. Kun ta'us, yeroo ammaa buttaan gosa lama qabaachaa dhufeera. Kunis, inni tokko butaa dhiirri tokko intala takka fedhasheefi warra ishee malee osoon isaan hinbeekin butuun haadha warraa taasifatuudha. Inni lammataa immoo buttaa

dhiirri tokkoofi dubartiin takka waliigaluun intalli na waliin deemtuudha. Buttaan bifa kanaa Hawwii/Hawwatas ni jedhama. Buttaan bifa kanaa yeroo ammaa bal'inaan hawaasa keessatti hojiirra oolaa akka jiru ragaan argame ni mul'isa. Buttaa fedha intalaan alaarratti bakki intala irraa butan, warri gurbaa intala buutuuf yaadan bakka isheen ooltuufi deemuu dandeessu adda baafatu. Erga kana hubatanii booda haala mijataafi bakka mijataa eeggatanii intala butu. Bakkaafi haala mijaa'aa argachuurratti warri gurbaa nama iccitiin jala taa'ee odeeffannoo isaaniif kennu naannoo warra intalaatii qabaachuu danda'u.

Buttaa fedhiin intalaa keessa hinjirrerratti intalli qaamaafi xiinsammuun miidhamuu dandeessi. Namoonni intala butan yoo intalli akka fedha isaanitti deemufii didde uleen rukutuu, qaama micciiruufi kkf gochuun qaamaa ishee miidhu. Akkasumas, intalli fedhii ishee malee nama hinfeeneefi umrii malee heerumuu, karoora harkaa qabdu—barnoota faa osoo galmaan hingahin hafti. Akkasumas, gosa gurbaafi intalaa giddutti waldhabdeen uumamuu danda'a. Gosni intalaa hanga danda'aniin akkuma butamuu intalaa dhagahaniin intala warra butanirraa buusuuf ni carraaqu. Gosni intalaa intala butamte yoo irraa buusan kun warra buteef qaaniidha. Kanaaf, warri gurbaa intala butan manattiin galu osoo hintaane, bakka biraa geessuun intalli akka hinargamne jabaatanii faana balleessu. Buttaa fedhiin intalaa keessa jirus ta'ee, kan fedhii isheetiin ala raaw'atu keessatti boodarra warri gurbaa warra intalaatti jaarsa ergachuun araarfatu. Araarfachuu keessatti warri intalaa mormii kaasuu, warra gurbaarratti gabbara guddaa qabachuufi kkf gochuu danda'u. Erga warri mucaafi mucayyoo waliigaluun araaramanii booda adeemsi sirna gaa'elaa itti raaw'atu adeemsuma sirna gaa'elaa kadhaarratti hundaa'eedha.

### b. Aseennaa

Sirni fuudhaa heerumaa Aseennaa gosa fuudhaa heerumaa intalli heeruma geesse osoon hinheerumin hafte takka dhiiraa itti heeruma barbaadu tokko fedha isaa malee seeraan baatee warra isaa dhaqxuudha. Intalli Aseennaan mana nama itti heeruma barbaaduu dhaqxu durba sababa adda addaarraa ka'uun osoon heerumin turteedha. Aadaa Arsii keessatti akkuma yaadni afgaafiin argame ittaanu ibsu intalli takka sababoota garagaraarraa kan ka'e Asseennaa deemti.

> *Wantoonni intalli takka akka Aseennaa deemtu taasisan intalli yoo bifaan bareeada ta'uu baatte, yoo warri ishee hiyyeessa ta'e, gosni ishee yoo hawaasa keessatti kan fudhatama hinqabneefi kkf ta'ee namni fuudhaaf ishee barbaadu dhabame umriin turuurraan kan ka'e nama itti heerumuuf barbaaddu tokko filachuun warra isheetiin*

*mari'attee seeraan Aseennaa manasaa deemti. Dabalees, intalli takka kan Aseennaan mana nama itti heerumuuf feetuu dhaqxu yoo warri ishee nama isheen itti heerumuuf hinbarbaannetti ishee heerumsiisuuf yaalaniidha.* (Dammoo Bonsoo, Aanaa Muunessaa, Adoollessa, 2014)

Haalli kun aadaa keessatti gaa'ela ijaarrachuuf dubartiin gaafatamtu malee gaafattuu ta'uu dhabuun, sababoota tokko tokkorraa ka'uun dubartiif gaa'ela ijaarrachuurratti rakkoo uumuu kan danda'u ta'uu ibsa. Kun ta'us, aadaa keessatti kana hiikuuf akkuma ragaan armaan olii mul'isu, baay'inaan kan mul'atus ta'uu baatu, Aseennaan jira. Intalli takka yoo Aseennaan mana nama itti heerumuuf feetuu dhaqxu meeshaalee safuu kanneen akka Siinqee, Boraatiifi marga qabatteeti dhaqxi. Intalli takka meeshaalee kanneen qabattee warra tokko yoo dhaqxe akka ishee Aseennaaf dhaqxe ni beekama.

Ragaan dirree qorannootii argame akka mul'isutti, intalli safuun warra gurbaa yoo dhaqxe warri ishee bakka dhaqxetti warra gurbaatiin dhiibbaan/rakkoon akka irra hingeenyeef waraanaan bakka jiranii dhageeffatu. Kana booda gosni gurbaa intalli maaliif akka deemtu erga adda baafatanii fedhii gurbaa gaafatu. Akkasumas, jaarsota gara warra intalaa erguun intalli isaanii akka isaan bira jirtu ibsu. Gurbaan intalli fedha isaatiin ala waan dhaqxeef hinfedhu jechuu danda'a. Kanaaf, warrisaa hanga danda'aniin akka inni fuudhuuf waan hunda ni godhu. Garuu gurbaan gonkuma intala hinbarbaadu jechuun kan didu yoo ta'e gosni gurbaa hanga yaalan yaalanii yoo dadhaban gaa'elli kun hafuun intalli gara gosa ishee akka deebitu ta'uu mala. Haala kana keessatti gosni gurbaa dubbii malaan qabuun akka gurbaan intalatti uffata uffisuu gochuun intala gara warra ishee deebisuu danda'u. Haalli kun intalaaf ulfaataa ta'uus, dubartiin hanga dhiiraa waan feete dirqisiistee raaw'achuu kan hindandeenye ta'uurraan intalti Aseennaa dhaqxee dhabde miidhamtee hafuu dandeessi.

**c. Irra-Dhaaba**

Sirni gaa'elaa Irra-dhaaba jedhamu sirna warri gurbaa intala jaalatan takka beekamtii warra intalaa malee hamaamota baasanii qa'ee intalaa dhaquun hanga warri intalaa intala kennuufitti dhaabataniidha. Yeroo dirree qorannoo turame akka hubatametti, warri gurbaa warra intalaa yoo dhaabbatan jaarsonni dura goruun gurbaan miinjotaafi hamaamota waliin boodarra ta'u. Gurbaan tokko Irra-Dhaabaan intala takka fuudhaaf yoo bahu akka seera Arsiitti waan hunda—Jaala bulfatee, Waddeessa qalateetuma eebbifatee baha. Gama warra intalaatiin garuu, wanti beekamu

hinjiru. Warri gurbaa intalli isaan haala kanaan fudhachuuf bahan takkaa kanuma dur seeraan kadhatanii amma immoo wantoota adda addaarraa ka'uun dafanii fudhachuu barbaadan ta'uu dandeessi. Yeroo tokko tokko immoo kan hinkaadhimatin kan akkanumatti Irra-Dhaabaan fuudhuuf barbaadan ta'uu malti. Irra caalaa garuu, kan kaadhimatanii wantoota adda addaa—kan namni biraa jalaa butuu fedhu yoo ta'e, ykn immoo yoo gurbaan baranuman fuudha kan jedhu ta'e, ykn cidha gochuuf kan humna hinqabu jedhan yoo ta'e, ykn warri intalaa kan dafee kennuufii didu yoo ta'eefi kkf fa'a irraa ka'uun Irra-Dhaabaan fuudhuuf bahu.

Sirna fuudhaa heerumaa kana keessatti warri intalaa darbee darbee intala dhoowwachuu danda'u. Kun ta'us, warri intalaa akka hindhoowwanneef seerris jaarsis ni dirqamsiisu waan ta'eef, darbee darbee malee carraan warri intalaa intala dhoowwachuuf qaban baay'ee xiqqaadha. Akka duudhaatti intala takka Irra-Dhaabaan fuudhuu dhufanii yoo dhoowwatan carraan gaarii ishee hinmuudhatu; hireen ishee kanuma jireenya (dhirsa) biraa hinargattu, fayyaas hintaatu jedhamee amana. Kanaaf, warri intalaa intala Irra-Dhaabaan fuudhuuf dhufan hindhoowwatani. Akkuma carraa ta'ee warri intalaa intala kan dhoowwatan yoo ta'e, Kallachi dhabee hingalu jechuun sirnuma sirna kana fakkaatu kan Irra-Ciibsaa jedhamuun warra durba qabu biraa qorachuun dhaqanii irra ciisu.

Sirni Irra-Ciibsaa kan sirnuma Irra-Dhaabaa fakkaatu ta'ee, wanti adda isa taasisu Irra-Ciibsaa kan jedhamu yoo warri gurbaa intala Irra-Dhaabaan fuudhuuf bahan dhabanii Kallachi dhabee hingalu waan ta'eef, intala biraa fuudhuuf qa'ee warra biraa dhaqaniidha. Sirni kun *"sochiin warri gurbaa intala Irra-Dhaabbatanii dhaban bakka biraatii argachuuf Irra-Ciisuu—isa duraa caalaa irra turanii argachuuf kan yaalan jechuudha"* (AFG: Dammoo Galatoo Aanaa Heexosaa, Fulbaana, 2014). Wanti gurbaan intala Irra-Dhaabaan fuudhuuf bahe akka dhabu taasisu, yoo intalli osoo warri hinbeekin ykn osuma beekanuu maatii keessaa namni wayii gargaaruun kan baatee baddu ta'eedha. Gurbaan tokko Irra-Dhaabaan intala takka fudhatee galuuf, warri intalaa hayyamamoo ta'uu dhabuurraan, yeroo dheeraa—guyyaa lamaa hanga sadii itti fudhachuu mala. Yeroon gurbaan hamaamota waliin Irra-Dhaabaan fuudhuuf qa'ee warra intalaa turutti gosni intalaafi ummanni naannoo nyaataa dhugaatii fiduufi. Warri intalaa hanga turanis turanii boodarra kan tole jedhan yoo ta'e, akkuma sirna fuudhaa heeruma Kadhaa keessatti ta'u wanti hunduu guutamuun warri gurbaa intala fudhatanii galu.

**d. Meembetoo**

Meembetoon gosa gaa'elaa abbaan warraa tokko yoo haati warraa jalaa duute obboleettii ykn durba biraa gosa haadha warraa isaa duute keessaa warri soddaa ykn warri intala duutee kennuufiin fuudhuudha. Ragaan aanaalee iddattoo qorannoo ta'an sadan keessaa argame akka mul'isutti, akka duudhaa Arsiitti sababni yoo haati warraa duute obboleettiin ykn gosni haadha warraa duutee Meembetoon abbaa warraa haati warraa jalaa duuteef kennamuuf, mana intala duutee namni biraa seenuu hinqabu; dubartiin alaa dhuftu ijoollee ishee akka dhiiga isheetti ilaaluun hinguddistu kan jedhuurraayi. Akkasumas, Meembetoon mana intalli takka keessaa duute, fedhiin dubartii Meembetoo kennamtuu keessa kan hinjirre ta'uu kan danda'u ta'us, obbolleettii ykn gosa isheetiin dhaalamuu akka qabus kan mul'isuudha. Dubartiin sirna Meembetootiin bultii ijaarratte akka ibsiteetti, isheen sirna kanaan mana obboleettii ishee kan seenteef, abbootiin duudhaa jirurratti hundaa'uun akka ishee heerumtu waan taasisaniifi. Akka isheetti, isheen kana diduun aadaa cabsuufi abbootanis abaaramuudha. Akka yeroo dirree qorannoo turame sakatta'amett, sirni kun yeroo ammaa darbee darbee malee baay'ee hojjoomaa hinjiru. Gaa'elli Meembetoo du'aan kan walqabatuufi yoo abbaa warraa jalaa haati warraa duute qofa kan raaw'atuudha. Kanaaf, bal'inni sirna kanaa sirnoota marsaa jireenyaa keessaa kutaa sirna boo'ichaa jalatti dhihaate.

**e. Dhaala**

Dhaallis dhirsaafi niitii bultii waliin ijaarratan keessaa tokko lubbuun darbuu waliin walqabata. Dhaalli kan adeemsifamu haadha warraa takka yoo abbaan warraa irraa du'eedha. Akka duudhaa Arsiitti, haadha warraa takka yoo abbaan warraa irraa du'e, abbaan warraa yoo obboleeyyan dhiiraa qabaate isaan keessaa nama ishee dhaaluuf aangoo qabu ykn seerri kennuufitu dhaala. Yoo abbaa warraa obboleessa qabaachuu baate gosa abbaa warraa keessa nama akka ishee dhaaluuf seerri kennuufitu dhaala. Wanti dubartiin abbaan warraa irraa du'e obboleessa ykn gosaan dhaalamtuuf, hanqina gama abbaa warraa du'eetiin maatii irra gahu oolchuufi. Akkasumas, gosni namni irraa du'e qabeenya obboleessa isaanii dhaaluu kan danda'an ta'uu agarsiisuufi. Bara amma duraa sirni dhaalaa bal'inaan kan hojjoomaa ture ta'us, bara ammaa garuu laafeera. Bara durii dubartiin abbaan warraa irraa du'e hindhaalamu jechuuf baay'ee bilisummaa hinqabdu. Barra ammaa garuu yoo hinbarbaanne diduu dandeessi.

Sirnoonni bultii ijaarrannaa Meembetoofi Dhaala wanta walisaan fakkeessu qabu. Sirnoota kanneen qabxiin walfakkeessu lamaanuu namni tokko lubbuun darbuu waliin kan walqabataniidha. Qabxii ijoon adda isaan godhu immoo abbaa warraa haati warraa jalaa duute obboleettii haadha warraa isaa isheen feetus fedhuu baattus aadaafi duudhaarratti hundaa'uun kan fuudhu ta'uudha. Gaa'elicha intala Meembetoo kennamtuuf kan duraati; namichaaf garuu miti. Haalli kun kan agarsiisu, intalaaf/dubartiif fedhii isheetu eegamaaf osoo hintaane, waan ta'i jedhamte ta'uudha. Faallaa kanaammoo Dhaalarratti, obboleessi namicha du'ee haadha warraa obboleessa isaa dhaaluuf kan hinfeene yoo ta'e, wanti isa dirqisiisu hinjiru; fedhiin isaa/dhiiraa ni kabajamaafi. Akkuma Meembetoo Dhaallis lubbuun darbuu namaatiin waan walqabatuuf bal'inni isaa kutaa sirna marsaa jireenyaa boo'icha jalatti dhihaate.

**f. Kadhaa**

Gosoota fuudhaa heerumaa armaan olitti ibsaman kanneen keessaa kan bal'inaan hawaasni itti fayyadamuufi irra caalaa fudhatama qabu kadhaadha. Kanaan ala warreen kuuwwan dhimma addaa tokkoorratti hundaa'uun akka filannootti raaw'atamu malee, sirna fuudhaa heerumaa hawaasa keessatti yeroo mara karaa idilee ta'een raaw'atamanii miti. Sirni fuudhaa heerumaa karaa idilee ta'een hawaasa keessatti raaw'atamiifi hawaasni bakka kennuufiin kabajuun raaw'atu sirna fuudhaa heeruma Kadhaadha. Kanaaf, qorannoo kanaan bal'inaan itti xiyyeeffatamuun ijaarsi koornayaa kan keessatti sakatta'ame sirna fuudhaa heeruma Kadhaati. Gochaaleen gosoota fuudhaa heeruma kadhaan alaa keessatti ta'an deemanii deemanii dhuma isaaniitti haa xiqqaatus haa guddatus akkuma fuudhaa heeruma kadhaa keessatti ta'uun kan raaw'atamaniidha. Fakkeenyaaf, ilmi intala takka buttaan fuudhe boodarra adeemsuma sirna gaa'elaa kadhaarratti ta'u keessa darbuun warra intalaa araarfata. Kana jechuun, sirni gaa'ela kadhaa adeemsaafi duraafi duuba bal'aa ittiin raaw'atu qaba jechuudha. Kanumarraa ka'uun kutaa ittaanu keessatti adeemsi sirni gaa'ela kadhaa itti raaw'atu maal akka fakkaatu, haalli kunimmoo koornayaa ijaaruufi ibsuu keessatti gahee akkamii akka qabu bal'inaa dhihaateera.

### 5.2.2. Sirna Gaa'elaa Kadhaa Keessatti Adeemsa Intala Ilaallachuu

Sirna gaa'ela kadhaa keessatti adeemsi dura jiru adeemsa nama bultii waliin ijaarrachuu ta'u qorachuuti. Kunis, kan eegalu karaa dhiiraa ykn gurbaafi warra gurbaa fuudha barbaaduutiini. Akka ibsa haawwotiifi abbootiitti, adeemsi sirna fuudhaa heerumaa kadhaa akkuma ijaarsa

aadaafi duudhaa hawaasaa keessatti beekamuun, warri gurbaa gurbaan isaanii natti fuudhaa yoo jedhe ykn isaanumti itti fuudhuu yoo barbaadan intala warraafi gosa gaarii ulaagaa isaan kaa'atan guuttu qorachuu eegalu. Gochaan kun immoo sirna intala ilaallachuu jedhama.

Obbo Aabbuu Gammachuu, Aanaa Diksiis Guraandhala 2014, akka ibsaniitti, sirna intala ilaallachuu jechuun kan gurbaan fuudha gahe tokko warra/gosa isaa waliin ta'uun intala fuudhaaf barbaadu akka isaaf taatuu ykn immoo akka isaaf hintaane ulaagaa ofiif qaburratti hundaa'uun itti mirkaneessuudha. Bakki itti ilaallatus iddoo intalli bishaan waraabdu, gabaa dhaqxu, cidharratti, mana amantaafi iddoolee biroo kan intalli dhaquu dandeessu maratti. Wanti gurbaan intala fuudhaaf barbaaduun walqabsiisee ilaallatus: bifa, amala, naamusaafi kkf intalaa fa'a. Warri gurbaa adeemsa intala ilaallachuurratti xiyyeeffannoo guddaa akka godhan ragaan yeroo dirree qorannoo turame yaada bifa jechamaatiin jedhamuun argame ni mul'isa. Innis intala fuudhaaf barbaadan takka waan hunda ishee sirritti qorachuu akka barbaachisu yoo ibsan *'yoo fuuni tole duuti tola'* jechuun ibsama (*H/Huseen Tololaa, Aanaa Heexosaa, Bitootessaa, 2015*). *'Yoo fuuni tole duuti tola'* jedhanii ibsuun akkuma waraqaa kana kutaa sirna boo'ichaa mata-duree 'Boo'ichaan Ergaa Dabarfachuu' jedhu jalatti ibsame, haadha warraa jabduufi gaarii yoo fuudhan guyyaa du'aallee abbaa warraatiif gootummaan boo'uun du'a abbaa warraa ishee bareechiti ilaalcha jedhutu jira.

Gurbaan/gosni gurbaa intala ilaallachuun dura garuu, qabxiin isaan jalqabarratti xiyyeeffatan, dhimma intala takka fuudhuufi dhiisuuf murteessaa ta'e, gosa intalaa adda baasuudha. Erga waa'ee gosaa adda baasanii booda immoo qabxiin inni biraa intalliifi gosni intalaa gama naamusaafi amalaatiin ulaagaa isaan barbaadan kan guutan ta'uudha. Kanumaan qabxiilee kanneen bal'inni isaanii mata-dureelee ittaanan keessatti bal'inaan dhihaataniiru.

### i. Sirna Intala Ilaallachuu Keessatti Gosa Qorachuu

Warri gurbaa intala ilma isaaniitiif taatu filachuurratti qabxii ijoon isaan ilaalan intalli isaan fuudhaaf filatan gosa abbaa gurbaa keessaa kan hintaane ta'uudha. Arsiin gosa isaa keessaa—fakkeenyaaf, Jaawwi Jaawwi hinfuudhu; gosoonni biroos akkasuma. Akka Arsiitti, darbees, akka Oromootti gosni nama tokkoo kan lakkaa'amu sarara gara dhiiraatiin jirurratti hundaa'uuni. *"Akka aadaafi duudhaa Arsiitti, sarara gosa abbaatiin jiru keessaa fuudhuun haraamuudha"*

(Muhaammad Gammachuu, Aanaa Diksiis, Sadaasa, 2014). Kan gara haadhaa—durumaa dubartiin kan heerumtu sarara gosa isheetiin ala jirutti; dabalees, dubartiin gosa keessaa dhalatte osoo hintaane, gosa itti heerumte himatti waan ta'eef, ilmi tokko sarara gara dubartiitiin jiru keessaa fuudhuu danda'a. Kana jechuun dubartiin gosa keessaa dhalateef orma. Dubartiin gosa keessaa dhalatteef orma ta'uu akkuma raaw'ilee sirnoota marsaa jireenyaa keessaa sirna dhalootaa keessatti ilaalle, haalli kun sirna marsaa jireenyaa gaa'ela keessattis bal'inaan mul'ata. Raaw'ilee sirna gaa'elaa keessatti intalli gosa irraa dhalatteef alagaa ta'uun akkamiin akka mul'atu mata-duree ittaanu keessatti haa ilaallu mee.

### Gosa Qorachuu Keessatti Ilma Firoomsuufi Intala Ormeessuu

Ilmi araddaa teenyarratti hafee qa'ee teenya hoo'isa, maqaa keenya waamsisa ilaalcha jedhurraa ka'uun intalarra leellisuun ofitti aanfatu. Intalli immoo dhalootumarraa qabee *'isheen araddaa ormaati'* oolmaa ilmi warraaf oolu hinooltu jechuun waan jedhaniifi raaw'atan keessatti ofirraa fageessaa deemu. *"Intalli yoma dhalattu nyaaphaaf/alagaaf dhalatte, teenyaa miti jedhama. Nyaaphni waan gosa ofiin ala jiru"* (AFG: Dammoo Boonsoo, Aanaa Muunessaa, Waxabajjii, 2014). Ragaa kanarratti durba ta'anii dhalachuun kan nyaaphaa—ormaa ta'uu agarsiisa. Akka Arsiitti nyaapha jechuun alagaa; darbees, diina ta'uu danda'a. Egaa kanarratti durbi nyaaphaaf dhalatte, kan nyaaphaatti jechuun, kan alagaati; kan alagaa ittiin firoomfachuuf, hariiroo ijaarrachuuf dhalattee yaada jedhus ibsa. Ijoo durbi kan qaama biraa—nyaapha waliin hariiroo ittiin ijaarrachuuf ooltu jedhu keessatti, durbi kan hariiroo hawaasaa cimsitu; qaama diina ta'e tokkollee namaaf firoomsitu ta'uu kan mul'isuudha. Ta'us garuu, haalli durbi guyyuma dhalootaarraa qabdee itti laaffifamtuufi gadiqabamtu oolmaan durbi hariiroo hawaasaa cimsuun jireenyi tasgabaa'aan akka ijaaramu gochuurratti qabdu kan irra dibame ta'uu mul'isa.

Isa kanaaf bu'urri sirna bulchiinsa dhiiraa Oromoon irratti hundaa'e (Megerssa & Kassam, 2019), kan wanti hundi sarara dhiiraa hordofuun murtaa'uudha. Kasim (2017; 857) yaada kana, "In a society that adopts patrilineal kinship, women have accrued very low, not as heir, neither as following descent, nor as a successor to the family name because of marriage where women have to follow her husband…" jechuun ibse. Hawaasaa warroommii sarara dhiiraarrtti hundaa'e hordofu keessatti, dubartiin akka homaa hinfayyadneefi dhaaltuu warrashee hintaanetti hubatamti. Maqaafi sarara sanyiitiinis kan warrashee osoo hintaane, kan warra abbaa

manaasheeti hordofti. Kanaaf, sanyiin warrashee karaa ishee hinwaamamu. Dubartiin gaafa heerumaan baatu, gosa warrarraa dhalattee dhiistee gosa abbaa manaasheetti galti (ጥላሁን, 2007). Kanarraa wanti jechuun danda'amu, maqsaa aadaafi duudhaarratti hundaa'uun dubartiin akka laaftuutti ilaalamuun gosasheetiif ormoomtee/alagoomtee gosa abbaa manaatti firoomti.

Intalli gulantaa gosa keessaa dhalattee osoo hintaane, kan warra ofdura itti heerumturraa safuufi gahee qabdi. Akka obboleewwan ishee dhiiraa gulantaa warrashee keessaa gahee hinqabdu. Kunimmoo dubartiin gosasheef akka alagoomtu kan taasiseedha. Kana jechuun, akkuma kutaa 5.1.4 jalatti ibsame, intalli araddaa warrasheerratti akka nama araddicha dhaaluun itti fufsiisuu dandeessu takkaatti owwaachuu hindandeessu. Intalli gulantaa warraafi gosaatiif ormoomuun yeroo heerumtu barama osoo hintaane, gaafuma dhalatterraa kaasee isheen kan ormaati jedhamuun, isheenis akkuma kana ilaalcha 'ani araddaa ormaati warra kiyya hindhaalu' jedhu guddiffachaa deemuun of ormeessituuni. Kanarraa wanti hubatamu, loogii aadaafi duudhaa dubartii akka laaftuutti ilaaluurraa ka'uun dubartiinis akkasumatti kan ofilaaltu ta'uudha.

Ilaalchi intalli warra ishee dhalche osoo hintaane, warra ishee fuudherraa seera qabdi jedhu yeroo isheen lubbuun jirtu qofa osoo hintaane, yeroo isheen lubbuun dabartellee ni hojjeta. Akka duudhaa Oromoo Arsiitti, dubartii jirtuu mitii duutuunsheetuu kan gosa itti heerumteeti jedhama.

> *Osoo akkuma tasaa intalli heerumte takka warrashee dhaqxee achitti kan amrii taate/duute ta'ee, gosashee keessatti hinawwaalamtu. Intalli durumaa kan warra ishee fuudhee waan taateef, gosa ishee fuudhe santu fudhatee awwaallata. Hanfalaan ishee warra soddaatti hinhafu; warrashee fuudheef gala* (AFG: Dammoo Galatoo: Aanaa Heexosaa, Adoolessa, 2013).

Hanfalaa jechuun, meeshaa dubartiin heerumte mudhiin hidhattu kan yeroo amma duraa gogaafi bara ammaa jibriirraa hojjetamuufi sabbata jedhamuun beekamuudha. Dubartiin takka hanfalaa kan hidhattu erga heerumtee booda. Kanaaf, hanfalaan akka meeshaa safuu warra dhirsaa intala fuudhanirra jiruutti lakkaa'ama.  Intalli heerumte takka akka tasaa warra ishee dhaqxee achitti yoo waa taate, hanfalaan warra soddaa warra isheetti hafuu hinqabu jedhamee amanama. Intalli tun gaafa warrashee dhaqxu kana hanfalaa ofirraa qabaachuu dhabuus dandeessi. Garuu akkuma duudhaatti, intala heerumaan warra tokko jirtu, dhimmi ishee hundi kan warra itti heerumtee ta'uu ibsuuf, hanfalaa warra itti heerumteetu irra jira jedhama. Kanaaf, gaafa lubbuun dabartes gaddishee kan warra ishee fuudhee ta'uun isaanumti fudhatanii awwaallatu. Seera intalli kan

warra itti heerumteetti jedhu keessatti, intalli takka warra isheetti duute, warri gurbaa haala adda addaarraa yoo reeffallee fudhatee kan hinawwaallanne ta'e, boonyi ishee kan warra isheen irraa dhalattee ta'uu dhabuurraa kan ka'e warri gurbaa 'booyaan galatan' jedhama. Hanfalaan intalaa warra gurbaatiif galuun matusaatinuu booyaan galachuu kan ibsuudha.

Akka waliigalaatti, yaadolee kanneenirraa kan hubatamu, haalatti intalli warra ishee dhalche osoo hintaane, warrashee fuudhu waliin hidhata qabaattuudha. Rakkoon garuu intala haala kanaan ormeessuu/alagoomsuu qofa osoo hintaane, erga alagoomsanii gosa keessaa dhalatte keessatti hirmaannaa safuufi aadaan walqabatan dhoorkanii booda akka waan dubartoonni akka dhiiraatti faayidaa hinqabnetti ilaaluudha. Kanammoo intalli maatii ishee fuudhe waliinis kan jiraattu ta'u, eessattuu gaheeshee akka baatu gochuun walcaalmaa dhiira waliin jiru maqsuun komii ka'u hambisuun ni danda'ama.

### ii. Sirna Intala Ilaallachuufi Kadhachuu keessatti Bilisummaa Warra Gurbaafi Yaaddoo Warra Intalaa

Warri gurbaa erga intalaan walqabatee waan hunda qoratanii booda intala gurbaan isaanii jaalate, kan ofiifis jaalataniifi ulaagaa isaan barbaadan guuttu bahanii kadhachuun itti fuudhu. Adeemsa intala ilaallachuu keessatti gosni gurbaa ykn gurbaan fuudhu bilisummaa qabu. Bilisummaan isaan qabanis intalaafi warra intalaa jaalataniifi ulaagaa isaan barbaadan guutan filachuun kadhachuudha. Intalliifi warri intalaa garuu akka warra dhiiraa nama fedhan akka fedhanitti qoratanii jaalatanii intala isaanii nama waan isaan fedhan guututti heerumsiisuu dhiisuu malu. Sababnisaa, hawaasa keessatti dubartiin filatamtee heerumti malee filattee miti. Kana jechuun, warri intalaa intalli isaanii yoo kadhatamte callisaniituma kennu osoo hintaane, hanga tokko waan ilaaluu qaban—gosa, gaarummaa, naamusaafi kkf warra gurbaafi gurbaa inuma ilaalu. Ta'us, akka warri dhiiraa warri durbaa intala isaanii nama kadhate dhoowwachuun akka fedhan ta'uuf bilisummaa hinqabani. Sababnisaas, ijji dubarri hawaasa keessatti ittiin ilaalamtu ija sodaafi shakkiitiin waan ta'eefi. Kana yaada hawaasaa ijjannoo akkanaa ibsu kan ittaanu kanarraa ilaaluun nidanda'ama.

> *Hanguma fedhes jaalannu dubara hinamannu. Dubaraan hinboonan waa gootee nama qaannesuu dandeessi. Kanaaf, intalli takka yoo kadhatamte hiree isheeti hindabarsinu, dubarri kanuma ormaati jenneeti kennina. Sababnisaa, intalli tun waa ta'ittii, mucumti kunuu butinnaa fa'a jennee waan yaaddofnuuf, intala teenya yoo namni kadhate*

*dhoowwachuuf ni sodaanna. Yoo nuti kabajaan gaafatamnee kennuu baanne abbaan humnaa bahee fudhachuu danda'a. Fakkeenyaaf, intala takka seeraan kadhatanii warri kan didu ykn gabbara guddisu yoo ta'e, dargaggeessi humnaan kan fudhatu ta'uu naanee keessatti akkanaan ibsina:*

*Yaa qotiyyoo (laga lagaa bookkisee x 2)*
*Bee dargaggoon (abbaa durbaa boochisee x 2)*
*Haa boochisuu bee (isatu maacaan (safuun) roorrisee x 2) (*Gannaa Amdaa*: Aanaa Diksiis, Sadaasa, 2014)*

Warri intalaa yoo intalli isaanii kadhatamte yaaddoo intalti teenya waa ta'itii jedhanii qabanirraa, yoo wanti guddaan akka intala isaanii warra kadhateef hinkennine isaan godhu jiraateen ala hindhoowwatani dafanii kennu. Wanti warri intalaa intalti teenya waa ta'ittii jedhanii yaaddaa'aniif, hawaasa keessatti dubarri akka qaama miidhamtuu, kan qaamni humna qabu waan fedhiisaa irratti raaw'atuufi kkf fa'atti waan ilaalamtuufi. Kanas yaada Sultan'n (2018) qorannoo mammaaksarratti taasifterratti hundaa'uun, hawaasa keessatti ijoolleen durbaa warraaf akka madda yaaddoo, sodaa, aarii, dhiibbaafi qaanii ta'aniitti ilaalamu jechuun ibsiteen cimsuu ni danda'ama.

Warri intalaa kan yaadda'anis akka intalli cimtu, qabeenya qabaattu, ofdandeessuuf osoo hintaane, akka isheen kabaja ishee qabattee heerumuun isaanis ofis kabachiistuufi. Jalqabumarrattuu, dubartiin akka qabeenya qabaattu, akka qabeenya argachuuf carraaqxu hinbarbaadamu. Waanuma hundaanuu dhiirarratti akka hirkattu, ajajamtuu akka taatu barbaadu. Fakkeenyaaf, warri intala yoo heerumsiisan namni ishee fuudhu sun qabeenya ishee ittiin horatu akka qabu, nama ofdanda'aa akka ta'e qoratu. Kanaaf, kunis warra dubaraatiif rakkoo biraati. Kana ibsuuf wanti jedhamu:

*Durbaan rakkanne jedhe warri durbaa*
*Dureessa jennee kenninu hiyyoomee nu gaabbisisaa,*
*Hiyyeessa jennee dhoowwannu duroomee nu gaabbisiisaa waan goonu dhabne, jedhe warri durbaa jechuun ibsama.* (Taajuree Aadam: Aanaa Diksiis, Sadaasa 2014)

Gaa'ela ijaarrachuurratti gurbaafi intalli waan akka aadaafi duudhaatti isaaniirraa eegamu guutanii argamuu barbaachisa. Gurbaan aangoofi qabeenya ishee ittiin bulchu qabaachuu; isheen immoo nama isaaf ajajamtee bultuufi isa tajaajiltu ta'uutu isheerraa eegama. Duudhaa keessatti wanti baratame, dubartiin qabeenya horachuun mana bulchuu osoo hintaane, qabeenya dhiirri horatetti dhaquun tajaajiltee akka jiraattuudha. Kanarraa ka'uun warri intalaa intala isaanii yoo

heerumsiisan namni ishee fuudhu qabeenya ishee ittiin bulchu qabaachuufi dhabuurratti mamii keessa galan jechuudha. Maatiin ilmoo durbaa yoo guddisan akka isheen ofdandeessee dhaabattu gochuudhaan waan hinta'iniif, gaafa isheen heerumtu namni ishee fuudhu qabeenya qaba moo hinqabuun, hanga dhumaatti ishee waliin tura moo hinturuun yaaddoo keessa galu. Yaaddoon warra durbaa haala jechama armaan olii keessatti ibsame kanaan hawaasa keessaa calaqqisa.

### iii. Intala Ilaallachuurratti Naamusa Intalaa

Akka aadaafi duudhaa hawaasaatti, dubartiin, keessaayyuu, dubarri mataa gadi qabachuu, qaana'uu qabdi. Kana hintaane taanaan dhirsa dhabde, manatti hafte; manatti hafuun immoo fafa. Fakkeenyaaf, waa saditu fafa jedhama:

> *Cirriksuu durbaa*
> *Harree kooraa*
> *Moluu dubartii; wantoonni kunneen waan ta'anii argamuu hinqabneedha.* (AFG: Kusaa Deettii, Aanaa Heexosaa, Waxabajjii, 2013)

Wantoota fafa jedhaman kanneen keessa tokko cirriksuu durbaati. Akka aadaatti, durbi mataa gadi qabachuu qabdi waan jedhamuuf, nama fuundura dhaabbattee cirriqfannaan fafa jedhama. Harreenis kooraa hinbaattu; mataan dubartiis hinmolaawu. Kanaaf, wantoonni sadan fafa jedhaman kunneen ta'anii argamnaan faana/baasatu ba'e; uumatu dabe jechuudha. Akkuma kana dubartiinis waan hojjechuu hinqabne hojjennaan, mataa gaqqabachuu baannaan, waan hirmaachuu hinqabnerratti hirmaattee argamnaan akkanaan faanatu bahe jedhama. Kanaaf, intala laallachuu keessatti ijoon akkanaa/naamusni intalaa sirritti xiyyeeffatama.

Inni biraa ragaan odeef-kennitootarraa argame akka ibsutti, gurbaan/warri gurbaa intalli isaan fuudhaaf barbaadan kan kana dura dhiira biraa waliin hariiroo hinqabne akka taate qoratu. Kana jechuun, akka aadaafi duudhaatti, durbi durbummaan heerumuu akka qabdu waan beekamuuf, intala takka abbaa warraa ishee fuudhuuf deemu dura dhiira biraa kan hinbeekne—durbummaa kan qabdu ta'uuturraa eegama. Haa ta'u malee, wanti akka kanaa bara kana baay'ee xiyyeeffatamaa hinjiru (Boqonnaa 8, kutaa jijjiiramaa ilaalai).

Gurbaan fuudhu garuu, yoo osoon fuudhin dura dubartii biraa waliin hariiroo kan qabaatus ta'e namni isa gaafatu hinjiru. Inni dubartii biroo waliin hariiroo qabaachuun ykn dhabuun akka kan ishee kana waan xiyyeeffatamu miti. Intala garuu maatiin ishee osoon heerumin wanti badaan

akka isheerratti hintaaneefis ni yaadda'u. Maatii tokko intala isaanirratti wanti badaan ta'uun, bakka boru isheen itti heerumtuun walqabatee, warri ishee fuudhu intalli warra ebeluu akkana jechuutu dhufa; kunimmoo isaaniif qaaniidha. Kana qofa osoo hintaane, akka haawwonnniifi abboonni ibsanitti, yoo dubrummaa qabaachuu baatte dhirsi hiikuu ykn yeroo dhihoo keessatti haadha warraa biraarratti fuudhuu danda'a. Akkasumas, waliigalanii buluurratti dhiibbaa qabaachuu mala. Warri gurbaas kabaja ishee dhoorkachuun tuffatu. Ilmi ebeluu maal fuudhe ni fuudhamee jechuun ceepha'u.

Dabalees, intalli yoo dubrummaa kan hinqabne ta'e hariiroon warra lamaanii rakkoorra bu'uun warri gurbaa mufata. Mufoo isaanii immoo haala adda addaatiin kabaja yeroo biraa duudhaa keessatti beekamu, kan warri gurbaa warra intalaatiif godhu hir'isuun ibsachuu danda'u. *Fakkeenyaaf, guyyaa alangee lamuu faa dabarsuun, kennaa yeroo alangee lamuu warra isheetiif kennamu hir'isuun… Kanaan olittis gurbaan tokko yoo intalli takka durbummaa malee kan isa heerumte ta'e, dubrummaa isheerraa dhabe san argachuuf yeroo dhihootti bahee haadha warraa biraa irratti fuudhuudha* (Sa'id Abdoo, Aanaa Heexosaa, Adoolleesa, 2013).

Haadha warraa biraa—lama/sanaa olfuudhuun walqabatee, akka duudhaa Arsiitti dhiirri tokko dubartii takkaa olfuudhuu danda'a. Kanaaf, akka duudhaa Arsiitti, wantoota akka dhiirri tokko dubartii tokkoo ol akka fuudhuuf sababa ta'an keessaa tokko akka ragaan argame mul'isutti, haati warraa duraa dubrummaa dhabuudha (Bara kana baay'ee kan xiyyeeffatamu ta'uus baatu, boqonnaa 8 ilaali). Kanaaf, warri intalaa ilmoo isaanii durbaa osoon hinheerumni baay'ee manaa hinbaasani; akka isheen osoo manaa hinbahin kabaja dhabne oolaa bulii ishee jala deemanii eegu, ofeeggannaa taasisu. Keessaayyuu, haati baay'inaan intala gorsiti; eegdi. Sababnisaas, rakkoon intalaan dhufu irra caalaan haadha ilaallata. Bal'inni yaada kanaa mata-duree ittaanu jalatti dhihaate.

### iv. Haadha Ilaalii Intala Fuudhi

Intala fuudhaaf barbaadan ilaallachuu keessatti dubbiin '*haadha ilaalii intala fuudhii'* ijoo guddaadha. Hawaasa keessatti intala takka gaa'elaaf yoo barbaadan amalaafi ilaalcha haati hawaasa keessatti qabdu, hariiroo isheen abbaa manaa ishee waliin qabduufi kkf sirritti xiinxalu.

Waan intalli ofdura ta'uu dandeessu, waan haati har'a keessa jirturratti hundaa'uun madaalu. Ijoo kana ragaa karaa marii garee xiyyeeffannoo argame ittaanurraa haa ilaallu.

> *Rakkoon gama intalaan dhufu haadha ilaallata. Intalaan walqabatee rakkoon tokko yoo uumame haadhatu intala ishee haalaan qabachuu dide jechuun komatu. Fakkeenyaaf, guyyaa cidhaa yoo micayyoon cimtee humnaan gurbaa caaltee gurbaan moo'achuu dadhabe haadha intalaatu arrabsama. Sila haati intala dhiira godhachuu heddee kan akkanatti cimsitee ykn goobsitee heerumsiiste jechuun itti kolfu. Intalli amalaan haadha fakkaatti; kanaaf 'haadha ilaalii intala fuudhi' jedhama.* (MGX: Aanaa Heexosaa, Sadaasa, 2014)

Akkuma oolmaan haadhaa manaafi naannoo manaa ta'e, kan intalaas akkasuma. Kana jechuun, haatiifi intalli yeroo bal'aa waliin dabarsuurran kan ka'e hariiroo cimaa waliin qabu. Haati hariiroo cimaa intala ishee waliin qabaachuurraan, akka intalli har'a intala gaarii, boru immoo niitii gaarii taatu gochuurratti gahee guddaa baati. Akkuma yoo eebbisan '*intalti kan haadha deesseeti, kan haadha beektu haa taatu; ilmi kan abbaa uumee ykn dhalcheeti, kan abbaafi gosa beeku haa ta'u'* jechuun eebbisan, waan intalli ofdura taatu tilmaamuuf, bu'urri haati keessu iddoo guddaa qaba. Intalli kan haadhaati jedhamuun amalaafi naamusa haati qabdu akka qabaattu eegama. Akkasumas, ilmi kan akka abbaasaa, waan abbaan ta'u akka ta'u barbaadama. Hanqina intalarratti mul'atuuf, akkuma *'haadha ilaalii intala fuudhi'* jedhamu akka aadaafi duudhaatti ittigaafatamummaa kan qabaatu haadha. Intalli bakka heerumtutti akkuma haatishee abbaasheef ajajamaa turte, abbaa manaaf ajajamtee mataa gadi qabachuun akka bultu taasisuun gahee haadhaati. Yoo kana gochuu baatte, yoo hanqinni wayii intalarratti mul'ate haadhatu akkanatti leenjisee guddise jedhama.

Akka ilaalcha hawaasaatti, warra haati warraa dhimmoota manaan alaarratti hirmaattuufi mataa gadi hinqabanne namni ni sodaata. Intala isaaniis namni fuudhaaf barbaadu baay'ee hinjiru; shakkii godhatu. Sababnisaas, intalli kan warra niitiin dhirsa mooti jedhamuu yoo taate isheenis boru gurbaa keenya akkanuma gooti jedhanii yaadu. Hawaasni dubartii/niitii dhirsa mootii jedhuun akkatti ceepha'u qaba. Kanas sirba ittaanu kanarraa haa ilaallu.

> *Dur gabaree mana namaa galutu warra itti galuu barbaadu waan warri inni itti galuuf yaadu sun qaban ykn akkatti isaan nama hojjisiisan ibse jedhama. Innis kan jedhe beekumsa namoonni sun biyya keessatti qabanirratti hundaa'ee akkana jedhe:*
>
> *'Silaa Mootiittan galaa Mootii Yaamiittan galaa,*
> *Irraan gadee kaachisaa*

*Inni dhakaa nama baachisaa!*
*Silaa Dammiseettan galaa, Dammisee Halloottan galaa*
*Inni tushaa hinfoo'atuu niitii hinmoo'atuu* (Aabbuu Gammachuu: Aanaa Diksiis, Sadaasa, 2014)

Ragaan kun kan ibsu akka duudhaa hawaasaatti dhiirri dubartiin isa moo'atti jedhamu tokko kan tuffatamu ta'uufi namoonni isa waliin hariiroo qabaachuuf fedha akka hinqabneedha. Haati warraa dhimmoota manaan alaarratti hirmaanaaan 'isheen abbaa warraa mootii, isheetu bulchas' jedhuuni. Akka ijaarsa hawaasaatti niitiin dhirsa mooti kan jedhamu yoo isheen ala baatee dhimmoota tokko tokkorratti kan hirmaatu ta'eedha. Dubartiin manaa bahuun wantoota tokko tokkorratti kan hirmaattu yoo ta'e, dhirsa mootii; irra dhoofti jedhama. Kanaaf intalli waan haati gootu gootii, yoo fuudhaa baatu, intala fuudhuuf deemtu san haadha ishee sirritti qoradhu jechuun mammaaku jechuudha.

### 5.2.3. Sirna Gaa'elaa Kadhaa Keessatti Ergachuufi Saddeeta Dhaabbachuu

Warri gurbaa intala ilma isaanitti fuudhuu qabaniin walqabatee waan qulqulleeffachuu qaban erga qulqulleessanii booda warra intalaa gaafatu. Warri intalaa gaafii warra gurbaa fudhachuun intala kennuuf yoo waliigalan abbaan gurbaa jaarsa biroo dabalachuun warra intalaa dhaquun sirna saddeetaa/kaadhimaa gochuu eegala. Warri gurbaa warra intalaatti seeraafi safuu yaada isaanii ittiin ibsatantu jira. Kanas yaada afgaafiin argame armaan gadii kanarraa haa ilaallu.

*Abbaan gurbaa warra intalaa dhaqee intala tee ittiin yaabbadhe, ittin uffadhe, ittiin mul'adhe naaf kenni; Jinfuu naa dhaabi, duubaan deemaa narraa qabi jedhee gaafata. Dachaan warra soddaa caale hinjiru, dachaa ta'uuf deemnaa dachaa nu godhaa jedhuuni.* (AFG: Abdulqaadir Fajjisoo, Aanaa Muunessaa, Fulbaana, 2015)

Yoo warri intalaa gosaafi warra gurbaa jaalatanii hayyamamoo ta'an guyyaa jalqabaa jaarsoliin lama—dachaa kan ta'an saddeetaaf gara warra intalaa ergamu. Dachaa ta'uun jaarsolee warri soddaa guutuu ta'uu, guutuun/dachaan ykn kabajni warra soddaa caale kan hinjirre ta'uu mul'isuufi. Akka Arsiitti lakkoofsi guutuufi wantisaan walqabate akka milkii gaariitti fudhatama. Kanaaf, saddeeta dhaabbachuufis haa ta'uu waan gaarii raaw'achuuf Arsiin lakkoofsa guutuurratti hundaa'a. Waan dalagu mararratti lakkoofsa guutuun milkii ilaallata.

**Milkii ilaallachuu:** sirna intala kadhachuu keessatti warri gurbaa haala adda addaatiin milkii ilaallatu. Gaa'elarratti milkii ilaallchuun kan eegalu guyyaa intala kadhaaf manaa bahan waan karaatti namatti dhufu kan akka milkii gaariifi badaatti ilaalamu irraayi. Yaadni aanaalee

iddattoo qorannichaa ta’an sadan keessaa argame akka mul’isutti, aadaa Arsii keessatti yoo intala kadhaaf deeman wantoonni akka milkii gaariitti ilaalamuun akka intala sana kadhatan taasisan: wanti lakkoofsaan guutuu ta’e 2, 4…yoo namatti dhufe, bishaan guutuun yoo namatti dhufe, du’atti yoo dhufaniifi kkf fa’a. Erga qa’ee warra intalaa gahanii immoo yoo intalli dhoqqee loonii hartu, loon elmitu, aannan raaftuufi kkf gootu bira gahan gaarii akka ta’etti ilaalama. Akkasumas, intala kadhaa yoo deeman wanti akka milkii gaariitti hinilaalamneefi intala san akka hinkadhanne nama taasisan: intala kadhaaf yoo deeman yoo kurupheefi jeedalli karaa nama qaxxamuran, dubartiin hubboo duwwaan yoo namatti dhufte, qa’ee warra intalaatti immoo yoo intalli daaraa hartu yoo bira gahan fa’a.

Aadaa Arsii keessatti, intala tee ittiin yaabbadhe, uffadhe, mul’adheefi kkf jedhee abbaan gurbaa warra intalaa gaafachuun intalli tee qa’ee teetii osoo hintaane kan qa’ee/araddaa tiyyaati, araddaa tiyyaa naaf kenni ergaa jedhu qaba. Ijoon kun ijoo intalli araddaa ormaati jedhu—araddaa warraa osoo hintaane, araddaa warra itti heerumtuuti mul’isti kan jedhu ibsa (5.1.4 ilaali)

Jaarsoleen jalqaba gara mana warra intalaa yoo dhaqan saddeeta dirreen qabatanii galu. Saddeeta dirreen qabachuurratti warri gurbaa warra intalaatiin *‘Jinfuu naa dhaabi, duubaan deemaa narraa qabi’* jedhu. Kana jechuun manan ijaaruuf deema na dhaabi, intala naaf kennuu kee naaf mirkaneessi, waadaa kee naaf eegi jechuudha. Guyyaa kana warra intalaatti baay’ee hindubbatani; dhimma deemaniif ibsachuun warri intalaa hayyamamoo ta’uu isaanii mirkaneeffatanii galu. Wantoota warri gurbaa intalli isaaniif kennamuu ittiin mirkaneeffatan keessaa inni biraa *“warri intalaa adabumaaf jecha afaaniin intalli teessan jechaa yoo intala kan hinknnine ta’e ulee safuu warri gurbaa balbala gara mirgaatiin kaa’atan gara bitaa dabarsanii kaa’u”* (Aloo Dhaqqaboo, Aanaa Heexosaa, Bitoottesa 2015). Kanarraa kaa’anii warri gurbaa intalli kan isaaniif hinkennamne ta’uu mirkaneeffatu. Yoo warri intalaa ulee safuu warra gurbaa bakka isheetii kan hinjijjiirre ta’e immoo lakkoofsi guutuun ittuma fufa waan ta’eef, warri gurbaa guyyaa lammataa afur ta’anii dhaqanii abbaa intalaa waliin walarganii guyyaa manseensaa qabatanii deebi’u. Manseensa qabachuun kan barbaachisuuf, abbaa intalaa waliin walarginee dahii alaa ykn hayyama abbaa argannee dahii manaa ykn hayyama haadha akka argannuuf mana seenuu qabna yaada jedhu ibsa. Kanaaf, gaafa mana seensaa jalqabarratti wanti isaan jedhan, akka Obbo Baalchaa Tufaa yeroo isaan waliin afgaafiin taasifamu ibsanitti:

> *Manseensarratti warri gurbaa erga mana seenanii booda nyaataa dhugaatiin dura ka'anii dhaabbachuun dahii alaa argannee dahii manaa eegganna' jechuun haadha intalaa hayyama gaafatu. Yeroo jaarsoliin kana jedhanii gaafatan haati intalaa 'Dahaa' jechuun hayyamamtuu ta'uushee mirkaneessitiif.* (MGX, Aanaa Heexosaa, Waxabajjii, 2014)

Asirratti *'Dahii alaa'* jechuun akka aadaatti abbaa gaheen isaa ala waan jedhamuuf, hayyama abbaan intalaa intala kennuu isaaf kennuudha. '*Dahiin manaa'* immoo hayyama haati (manni) intala kennuu ishee itti mirkaneessituudha. Asirratti warri gurbaa *'dahii manaa eegganna'* kan jedhan kabaja haadha intalaatiif qaban mul'isuufi hariiroon jiru akka cimuufi. Saddeetarratti akkuma dubartiin addabaayiirratti baatee akka hindubbanne taasifamu, haati intalaa akka abbaa namoota intala ishee kadhaa dhufan waliin fuulaa fuulatti baatee hindubbatu. Wanti gama haadhaatiin ta'u, haati (dubartiin) harka duwwaa nama simatti osoo hintaane, gaafa manseensaa haati nyaataa dhugaatii qopheessitee warri gurbaa dahii isheerraa argachuudha. Kan ta'uus warri gurbaa *'dahii manaa eegganna'* yoo jedhan haati afaan takka '*dahaa*' jettiini. Kana keessatti abbaafi haati intala isaaniirratti gahee kan qabanis ta'u, gaheen abbaa guddaadha; inni namoota waliin taa'ee fuulaa fuulatti haasa'ee dhimma qabu baafachuurratti bilisummaa qaba. Haati garuu, hojii mana keessaa malee, waan hunda callisumaan akka dabarsitu taasifama. Guyyaa mana seensa erga haala kanaan waliigalanii booda beellama biraa qabachuun gargar bahu.

Ittaansuun guyyaa biraa warri gurbaafi intalaa walarguun warri intalaa kennaa adda addaafi uffisaa (Gabbara) warra gurbaarratti qabachuun guyyaan cidhaa qabama. Gabbarri/kennaan warri intalaa warra gurbaarratti qabatan loon (qarshii), dhadhaa, gogaa/tolee meeshaan intalaa ittiin saamsamu, elellaan meeshaa intalaatti naqamuufi uffata. Deebiisaa warri intalaa cidharratti intalaaf loon geegawoofi meeshaa manaa guutuu kennu. Kunis, warri intalaa akkuma aadaafi duudhaa Arsiitti, guyyaan cidhaa gahuun dura meeshaa manaa intalli fudhattee heerumtu/mana ittiin baatu qopheessu. Haawwoliin akka ibsanitti, meeshaa manaa qopheessuurratti intallis hodhaa hodhachuun gahee guddaa baati. Meeshaan hangi danda'umu hodhamee, tolfamee, bocamee, bitamee, kaanimmoo firri fiduun guutama. Warri intalaa meeshaalee qopheessan kanneenitti hanga danda'an dhadhaa, dhangaalee addaafi wantoota tajaajila mana keessaatiif oolan naqu.



**Suuraa 04: meeshaalee manaa warri intala heerumtuuf qopheessan ibsu (Guraandhala 11/2015 Aanaa Heexosaatti kaafame)**

### 5.2.4. Sirna Gaa'elaarratti Qophii Cidhaa

#### i. Sirna Kittaannaa

Yeroo amma duraa intalaaf gaafa ciini ji'a tokkotti galu sirna kittaannaatu raaw'ata. Yeroo amma sirni kun dhiibbaa inni ijoollee durbaarratti qaburraan ka'uun gama saayinsii fayyaatiin akka hafu ta'eera. Akka haawwonni ibsanitti, yeroo durii wanti warri intalaa intala cidha ishee jala gahanii kittaananiif, akkasheen durbummaa ishee hindhabneefi; yoo dhabde immoo warri intalaa homaas godhuu kan danda'an ta'uus baatu, waan jiru yeroo kana baruufi. Bara durii yeroo intalli kittaanamtu warri gurbaa ni gumaachaafi. Kunis, haati gurbaa waahillaan ishee waliin ta'uun naqattee marqattee korpheessa hoolaafi uffata intalli yoo kittaanamte uffatee ciiftus qabuun intala ilmi ishee fuudhuuf kittaannaarratti gumaacha geessiti. Akka haaawwan jedhanitti, yeroo ammaa sirni kun dhimmoota adda addaarraa ka'ee akka hafu ta'uun durbi heerumaan dura akka dhiira waliin hariiroo qabaatu, qunnamtii saalaa gootu gochaa jira jedhu. Ijoo kana bal'innisaa boqonnaa saddeet kutaa jijjiiramaa jalatti dhihaateera.

### ii. Sirna Heexoo Obaasuufi Qeensa Qoruu

Odeef-kennitoota keessaa Aadde Safiyaa Burqaa A/Diksiisitti akka ibsanitti, Kittaannaa booda gaafa ciini boru jedhamu haawwan intala heerumtu heexoo obaasuun qeensa qoru. Sababni kana godhaniif, gurbaafi intalli yeroo jalqabaatiif yoo walitti makaman, intalli hayyamamtuu ta'uu yoo baatte, humnaan gurbaarra caaltee akka hinmoo'anne dadhabsiisuufi. Akkasumas, akka qeensaan hinmiineef hanga qubni madaa'utti qeensarraa qoru. Kanaan walqabatee gurbaarratti wanti raaw'atu hinjiru; gurbaan bilisummaa qaba. Akka manguddooleen ragaa naaf kennan ibsanitti, qorichi aadaa heexoon ganama garaa duwwaatti dhugamuun akka garaa namaa qulqulleessu ta'a. Kan garaa nama qulqulleessuus, gad-nama teessisuudhaani. Kanaaf, namni heexoo dhugu tokko ganama garaa buleen heexoo dhugee erga garaan qulqullaa'eefii booda galgala nyaata nyaata. Intalli heerumtu akka nama heexoo dhugeetti, erga garaan qulqullaa'eefii nyaata gahaa hinyaattu. Intalli heerumtu dadhabdee akka turtuuf, haawwan nyaata baay'ee akka nyaatu hinhayyamaniifi. Yeroo amma duraa haawwan haala kanaan intalli gurbaaf akka ajajamtu gochaa turani. Kun ta'us, yeroo ammaa haalli kun akkamiin hojjoomaa akka jiru wanti turtii hawaasa keessa turamerraa hubatame kutaa jijjiiramaa jalatti ibsameera.

### iii. Jaala Bulfachuu

Abbootiin ragaa kennan akka ibsaniiti, fuudhaa heerumarratti jaala bulfachuun kan ilaallatu gurbaa fuudhu malee intala heerurumtu miti. Gurbaan fuudhu guyaan cidhaa ga'uun dura jaalaa jaaltota bulfata. Jaalaa bulfachuun wanti barbaachisuuf gurbaan fuudhu jaaltonni yoo inni fuudhaaf deemuufi intala fudhatee galu waan hundaan isa bira dhaabbatanii akka gargaaraniifi.

> *Fuudhaa heerumarratti akka Arsiitti Jaala lama kan Jaala Abbaafi Ilmaafi sadaffaan immoo jaala gosaa kan jedhamantu jira. Jaalli Abbaa Kan intala fardarratti (Jaala Kooraa) qabuudha; kan Ilmaa immoo kan farda (Jaala Masaktuu) masakuudha. Amma garuu, seerri jaalaa jaaltichaa kan dur hafeera; lakkoofsi jaalaas baay'ateera. Ijoolleen ammaa qarshii walitti qabachuuf jecha akkuma fedhanitti namuma fedheen jaalaa walii ta'aa jiru. (AFG: Ganna Amdaa,* Aanaa Diksiis*, Sadaasa, 2014).*

Obbo Gannaan akka ibsanitti, akka Arsiitti Jaala Jaaltummaan safuu qaba. Warri jaala jaaltota waliin ta'an wayyooma walirraa qabu. Sirna fuudhaa heerumaarratti jaaltonni gurbaaf intala walfuudhaniifi warra/gosa isaanii waliin hariiroo gaarii—obbolummaa, abbummaafi haadhummaa uummatu. Kun kan agarsiisu, gaa'elli namoota hedduu gidduu hariiroo gaarii uumuun namoota firooma dhiigaa hinqabane akka firoomsuudha. Obbolummaan namoota jaalaa

jaaltota walii ta'iin kun hanga namoonni kunneen lubbuun jiranitti kan turuufi gaafa isaan lubbuun darban ilma ilmaatti darbaa kan deemuudha. Kana jechuun, namoonni yeroo tokko jaala jaaltota walii ta'an, walhinjijjiiran yeroo mara walumaaf ta'aa deemu. Ta'us, akka abboonni jedhanitti, yeroo ammaa haalli kun akka abboonni waliin bulaa turanirraa jijjiirameera. Jijjiirama jaala jaaltummaan walqabatee uumamerratti yaadni kutaa jijjiiramaa jalatti dhihaateera.

#### iv. Sirna Waddeessa Qalachuu

Aadaa Arsii keessatti yoo gaa'elli jala gahu gurbaan fuudhuufi intalli heerumtu gama gama isaanitiin sirnoota garagaraa akka aadaatti isaanirraa eegamu kan raaw'atan qabu. Gochaalee kanneen keessaa tokko kan gurbaan guyyaa ciini boru jedhamu jaaltota isaa waliin sirna Waddeessa qaluu raaw'atuudha. Sirni kun odeef-kennitoonni akka ibsanitti:

> *Gurbaan fuudhu gaafa ciini boru jedhamu jaaltota waliin korpheessa hoolaa Waddeechaa qalata. Guyyaan kana gurbaan Waddeessa qaluun dura jaaltota waliin laga bu'ee muka Goraa jedhamu muree balbala alaafi manaatti suuqa. Kana booda Waddeechi gurbaa fuudhuu waan ta'eef, adda hoolaa kallacha gurbaatiin tuquun qalu. Boodas akkuma kana dhiiga hoolichaa kallacha gurbaatiin tuqanii Waddeechaa Baarreen haa hooffalu jechuun eebbisu. Waddeechi gurbaa, Baarreen immoo intala bakka bu'a.* (AFG: Xaawuu Raaboo, Aanaa Diksiis, Sadaasa 2014)

Gurbaan fuudhu Waddeessa jedhama; Waddeessaan—kormaan fakkeeffama (Boqonnaa jaha kutaa 6.2 ilaali). Waddeessa jechuun korma gurbaan fuudhu faloof guyyaa ciini boru jedhamu galgala Goraa Kallachaa murachuun jaalaa jaaltota bulfate waliin qalatuudha. Gurbaan fuudhu korma ta'uu ibsuuf, Waddeecha qalaterraa Beendhecha baasee farda fuudha ittiin deemutti hidha. Goraa Kallachaa jechuun, sirna gaa'elaatu Kallacha jedhama waan ta'eef, Goraa Sirnaa—kan fuudha dhiirri tokko qeerrummaan fuudhurratti qabatamuudha. Aadaa Arsii keessatti dhiirri tokko Goraa qabatee kan fuudha bahu yoo fuunisaa fuudha jalqabaa/qeerrummaa ta'eedha. Kanaaf, gurbaan fuudhu yoo Waddeessa qalachuun falatu kan ibsuuf, jaalaa jaaltota waliin Goraa murata. Haala sirni kun yeroo ammaa irra jiruun walqabatee wanti qotattittiin yeroo dirree qorannoo turte adda baaste boqonnaa saddeet kutaa 8.2.5 jalatti ibsameera.

### 5.2.5. Sirna Gaa'elaarratti Hooffaltii Waddeessaa Baarree

Gaa'elarratti hooffaltii Waddeessaa Baarreetiif gochaaleen guyyaa gaa'elaan duraafi guyyaa gaa'elaa raaw'ataman gahee guddaa kan qaban ta'uu beekamaadha. Oromoon Arsii Waddeessaa Baarreen—gurbaafi intalli (kutuma kana: 5.2.5 gara gadiifi boqonnaa jaha 6.2 ilaali) akka

hooffalaniif gochaalee akka aadaafi safuu isaanitti itti amanan waan afaaniin dubattuu hanga gochaan mul’isuu garagaraa raaw’ata. Hooffaltii Waddeessaa Baarree jechuun qaamni martuu waan gochuu qaban godhanii gurbaafi intalli walgahanii gaa’elli kan milkaa’u, kaayyoon manaa bahaniif/qabatan kan galma gahu jechuudha. Gaa’elarratti guyyaan kaayyoon qabatanii bahan galma gahu immoo guyyaa gama lamaaninuu—gurbaafi intalaatiin qophiin marti taasifamuun ciini itti adeemsifamuudha. Kunimmoo akkamiin akka ta’u ibsi daaw’annaa cidhaarratti hundaa’uun qindaa’e kan ittaanu kun ni mul’isa.

Qorattittiin mana cidhaatti argamuun akka daaw’atetti, guyyaa cidhaa gurbaan erga qophii mara xumuree booda, mana warraatii yoo bahu jilli jilamuun dahiin qophaa’ee Jaala/Minjee bulfate waliin mijuu unatee, maaddii/daraaraa dhamdhamee eebbifamee baha. Dahiin marqa gaafa cidhaa/sirnaa qorii keessaa mataan sirritti olbaafamee nyaataa dhugaatii biroo waliin Shanoo Shanan jedhamuun dhihaatuudha. Shanoon Shanan—marqa, miccirraa, aannan, bulbulaafi biddeenaa qophaa’uun hamaamonni martuu akka nyaatu ta’a.



**Suuraa 05: Dahii ykn Dararaa haadhaa gurbaan yoo fuudha bahu dhandhamee deemu argarsiisu (Caamsaa 13/2015 A/Heexosaafi Caamsaa 21/2015 A/Diksiisiitti kaafame)**

Sirna gaa’elaarratti argamuun akkan hubadhetti, erga nyaataa dhugaatiin raaw’atee haati gurbaa Muudaa fiduun gurbaa, jaaltotaafi namoota gurbaa fuudhutti dhihoo taa’an mara muuddi.

Akkasumas, afgaafii yeroo daaw’annaa taasiseen akkan hubadhetti, bara akka ammaa gaa’elli konkolaataan hinta’in (Boqonnaa saddeet kutaa 8.2.5. ilaali), haati gurbaa erga gurbaan manaa bahee fardaa isaa—kan gurbaan Beendhicha Waddeessa galgala qalaterraa baasuun itti hidhate muuduun hoofkalii gali jechuun eebbisti.



**Suuraa 06: Muudaa Waddeessi—gurbaan fuudhu eebbifatee yoo bahu muudamu agarsiisu (A/Heexosaa Caamsaa 11/2015 fi A/Diksiis Caamsaa 14/2015 kaafame)**

Sirna muudaa booda hamaamonni uffataafi kennaa warra intalaa dhaqu mara qabatee sirbaan dabaalamuun gara warra intalaa deema. Sirna gaa'elaarratti aragmuun akka daaw'atametti, dubartoonni sirba*'Ashoo Aashilaa'* jechaa gurbaafi hamaamota gaggeessu. Sirbichis:

*Ashoo aashilaa efoo ee lamaa*
*Ashilaan aayyaa ee bahee lamaa*
*Bahe hoo jedhaa jalaa soor jedhaa*
*Waddeessaa Baarreen hooffalaa maarree*

Sirba guyyaa cichaa mana gurbaa fuudhuutti sirbamu ashoo aashilaarratti dubartoonni gurbaa fuudhu yoo faarsan '*aashilaa aayyaa efoo ee lamaa'* jedhanii faarsuun gurbaan fuudhuu miidhagina haadhaa ta'uu, *'efoo ee lamaa'* jechuun immoo lama lakkoofsa dachaa ta'uun gurbaan kunis dachaa/guutuu ta'uuf kan deemu ta'uu ibsuufi. *'Waddeessaa Baarreen hooffalaa maarree'* jechuun gurbaafi intalli milkaa'aa, gaa'ela milkii isiniif haa ta'u jechuu agarsiisa. Baarreen meeshaa guyyaa cidhaa haati intalaa aannan itti guuttee Siinqee waliin gurbaa fuudhutti kennitu. Baarreen intala heerumtu bakka buuti; Waddeessi immoo gurbaa fuudhu. Kanaaf, guyyaa cidhaa yoo eebbisan '*Waddeessaa Baarreen haa hooffalu'* jechuun eebbisu. Waa'een fakkoommii Baarreefi aannan Baarree keessa jiruufi Waddeessa qalachuu kutaa fakkoommii jalatti bal'inaan waan ibsameef asitti ibsuun hinbarbaachisu.

Hamaamonni warra intalaa erga gahee booda iddoo isaa qophaa'e akka seenu taasifama. Ittaansuun osoo nyaataa dhugaatiin hindhihaatiin jaarsoliin gara intalaafi gurbaa gamaa gamanaa walitti haasa'u. Kunis, akka dirree qorannootii argameen kan armaan gadii kanaan ta'a.

*Maarree ilmaan deemna intalaaf dhufne, har'i guyyaa murtiiti jechuun isuma dura yoo intala kadhatan jechuun ofibsaa turan kaasuun akka hamaamonni hundi barutti ofibsu. Warri intalaas maarree dhageenyee intala isiniif kenninee, ilma isiniirraa fudhannee, nyaata dhugaatii qabnaa, waddeessatu jiraa, shanoo shanantu jiraa nyaadhaa dhugaa isiniin jenna jechuun shanoo shanan qopheessan dhiheessuufi. Shanoon shanan kan sifaa isiniif haa ta'u, intaltillee kan hortu haa taatu, Rabbi walisiniif haa beeksisu; 'intalti ilmaan haa injifattu, gurbaan looniin haa injifatu' jechuun eebbisu. (MGX: Aanaa Muunessaa, Sadaasa, 2014)*

Guyyaan cidhaa guyyaa sirnoota mara xumuranii gurbaafi intala waliin gahanii waan gochaa turanitti murtee godhaniidha. Raaw'iin guyyaa kanaa akkuma ragaa MGX argame irraa mul'atu, wantoota hedduu: nyaataa dhugaatii, eebbaafi hawwii gaarii fa'a ofkeessatti kan qabatuudha.

Eebba eebbisanirratti, intalti ilmaan haa injifattu jechuun, akka aadaafi duudhaatti, ijoollee horuun gahee intalaati. Kanaaf, isheen ilmaan dahuun akka isa qananiistu; innimmoo qabeenya horachuun gaheesaa waan ta'eef, qabeenya horachuun akkashee bulchu keessatti dhaamaa deemu. Namoonni walfuudhan tokko akkuma carraa osoo ilmoo dhabanii, ilmoo dahuun akka gaheesheetti ilaalamuurraa kan ka'e, dhirsaafi gosti dhirsaa intalli dahuu didde jedhaniiti ishee komatu. Komachuu qofa osoo hintaane, hanga gargar bahuuttillee deemuu danda'u.

Akka aadaatti, rakkoon dhala dhabuu kan dubartiiti malee akka kan dhiiraatti hinilaalamu. Fakkeenyaaf, yeroo fuudhaa heerumaa fakkoommiin garagaraa intalarratti raaw'atan (hoolaan rakoo haadhoo ta'uu, biqila irratti naquu, faan) kanuma ibsu. Ilmaan dahuurratti keessayyuu, akkuma eebbichaarraa hubachuun danda'amu intalli durba osoo hintaane, ilma dahuun gurbaa gammachiisuu akka qabdu hawwii gaariisaanii dhaammatani. Ilmoo kennaan Rabbis ta'u, isaan garuu yoo intalti ilma deesse irra caalaa kan barbaadan ta'uu eebba kanaan ibsani.



**Suuraa 07: yoo gurbaan intala fudhatee bahuufi manaa gahatu agarsiisan (Guraandhala 11/2015 A/Heexosaafi Caamsaa 05/2015 A/Muunessaatti kaafame)**

### 5.2.6. Baye Bayee ykn Boo'icha Durbaa Ko'ummaa Intala Heerumtuu Mul'isan

Akka ragaan argame mul'isutti, durbi yoo heerumtu ko'ummaa sababa heerumaan warra ishee dhiistee deemuutiin isheerra gahu faaruu fayyadamuun ibsatti. Akka haawwan ibsanitti, faaruun kun Hinsirees ni jedhama. Yeroo fuudhaa heerumaa akka Oromoo Arsiitti, gaafa guyyaan cidhaa murtaa'ee jiini tokko hafu warra micayyootti sirbi hinsiree/jalabultii jedhamu sirbamuun eegala. Sababni hinsireen sirbamuuf warri kun sirna qaba kan jedhu agarsiisuufi. Sirba hinsiree jechuun akka afgaafii daaw'annaa cidharratti taasifameen ibsametti, yeroo ammaa akka durii ta'uu baatus, kan yoo intalti heerumuuf jiini tokko hafu, dubarri walitti yaa'uun galgala galgala sirbaniidha. Sirbichi sirba hiriyyoonni intalaa marartee hiriyaa isaanii isaan biraa heerumuu hedduuf qaban, waa'ee haadhaafi abbaa intala heerumtuufi warra intalli itti heerumtuu ittiin ibsaniidha. Akkasumas, sirbichi kan intalli waa'ee dhimmoota hedduu kaasuun gara-nyaattee itti ibsatuufi abbaafi haadha isheetiif, darbees, warra soddaatiin walqabatee dhaamsa qabdu itti dhaamtuudha. Wanti intalliifi hiriyyoonni ishee sirbaan ergaafi dhaamsa qaban dabarfataniif, akka aadaafi duudhaatti dubartiin nama fuunduratti baatee dubbachuun safuu miti. Darbees, gooroowwan fokloorii waan dubbatan caalaa, dhimma garaa qaban tokko karaa ifa ta'een namaaf waan ibsuufi. Sirbichis:

*Tartarii birraan tartarii*
*Goshiyyaa hiriyaa tiyyaa hoo*
*Cufamte (2) xurreen tiyyaa hoo*
*Gamaa gamanaa hoo*
*Taanuuree goshiyyaa maal sii (taanu ree x 2)*
*Addaan baanuuree* (Yaadannoo Dirree)

Ibsi isaas kan hiriyyoonni intalaa nuyiifi hiriyyaan teenya amma booda walhinagarruu; karaan/xurreen nuyiifi isheen itti walagarru cufameera jedhuudha. Akka aadaa Oromoo Arsiitti Birraan yoo dhufu sirni fuudhaa heerumaa isa hordofee dhufa. Kanaaf, 'tartarii birraan tartarii' inni jedhu kun birraa nurra tari, ati yoo dhuftu dubarri akka heerumtu taasisataa, ati diina dubaraati nurra tari/darbi ergaa jedhu dabarsa. Ijoolleen dubaraa akka kanaan boo'aa haa sirban malee, ijoolleen dhiiraa fuudha isaanitiin walqabatee wanti isaan komataniifi dhaamatan hinjiru. Ijoolleen dubaraa sirba kana yoo sirban, durbi qa'ee warraa dhiistee kan deemtu ta'uu isheetiin, hiriyaan teenya nurraa adda bahuuf jedhanii boo'aa sirbu. Akkasumas, ijoolleen durbaa sirbichaan silaa goshiyyaa/hiriyyaa teenya heerumarraa oolchuuf aangoo hinqabnu, addaan

bahuun dirqama nutti ta'eera, maal gochuu dandeenyaa? boonyetuma adda baana malee, yaada jedhus ibsuufi. Dabalees, ijoolleen durbaa sirba yoo intalli heerumtu sirbaniin abbaafi haadha intalaa keessaa heerumuun intalaa eenyu akka miidhuufi fayyadu, abbaafi haati heeruma intala isaaniirratti akkuma aadaa keessatti barameen yaada akkamii akka qaban ibsuufis yeroon sirban jira. Fkn'f, intalti ishee yoo heerumtu haati miira akkamii qabaachuu akka dandeessu yoo ibsan:

*Maal jettii aayyaan maal jetti?*
*Anatu ergaa baratee na nyaate jetti*
*Maal jettii aayyaan maal jettii?*
*Goshiyyaan anaa saaxinii*
*Narraa baasinii jettii haatinii addaan baanuuree* (Yaadannoo Dirree)

Haati intalti heerumuun ykn manaa baatee deemuun kan dhiibbaa isheerran gahu ta'uu ijoolleen durbaa akka waan haati jetteetti, walitti dhufeenyi haadhaafi intalaa hangam cimaa akka ta'e sirbaan ibsaa adeemu. Haati intaltishee mana ishee dhiistee yoo heerumtu kan miitu ta'uu, intalti haadhaaf akkuma saaxiniin (saanduqni) iddoo waan gaariifi iccitii itti olkaahatan ta'e, ilmoon durbaas haadhaaf bakka isheen waa itti olkaahattu ta'uurraan haati garaan kan hindandeenye ta'uu sirbaan ibsani. Gola haadhaafi gaarii yaraa haadhaa nama kamuu caalaa intalatu beeka. Kanaaf, haati intalli yoo manaa baatu baay'ee itti qaawwa; itti qorra. Intalas akkasuma yoo haadharraa adda baatee qa'ee alagaa dhaqxu waan baay'eetu itti hir'ata. Kun kan ibsu, haatiifi intalli baay'ee kan waliirratti hundaa'an ta'uufi *'dubbiin haadha ilaalii intala fuudhi'* jettu (kutaa 5.2.2 iv ilaali) sun kan keessa jirtu ta'uudha. Yaada abbaan maal jechuu danda'a? jedhu ibsuuf:

*Maal jedhaa aabbiyyoon alaa maal jedhaa (2)*
*Ishiituu nyaaphaaf dhalatee gadi baasaa jedha.* (Yaadannoo Dirree)

Abbaan intalti yoo manasaa dhiistee heerumtu kan garaan isa hinboorofne ta'uu, intalti dhalatte kanuma ormaati jedhee kan yaadu ta'uu sirbichaan ibsama. Inni ishee gurguree gabbara nyaachuu fedha malee, intaltisaa manasaa dhiistee gara alagaa deemuun waan isa cinqu hinfakkaatu. Asirratti durba ta'anii dhalachuun kan nyaaphaa—ormaa ta'uu agarsiisa. Daa'imti dubara taate dhalatte takka araddaa ormaati, qe'ee abbaa ykn warra ishee osoo hintaane, qe'ee ormaati hoo'isti jedhanii waan yaadaniif durbi kan nyaaphaa—alagaati jedhama. Akkasumas, qabxiin biraa ragaa kanarraa mul'atu, abbaan akka haadhaa kan garaa laafu osoo hintaane, gara-jabeessa ta'uudha. Ilaalchi gara jabeenyaan walqabatee sirba

kanarraa ifu kun kan abbaa intala heerumsiisu tokko qofaa osoo hintaane, ilaalcha dhiironni marti hawaasa keessatti qaban kan bakka bu'uudha.

Akka aadaa Arsiitti sirna fuudhaa heerumaa keessa sirba tartarii hiriyyoonni intalaa sirbaniin ala faaruu booyicha dubaraa jedhamatu jira. Innis kan intalti heerumtu ergaafi gara-nyaateeshee keessatti ibsattuudha. Akka haawwonniifi abbaanni ibsanitti intalti faaruu boo'icha durbaa kan sirbitu yeroo hamaamoonni dhufee mana warra ishee seenee jirutti. Akka aadaatti yoo hamaamoonni waa'ee geegawoo kaasee 'geegawoon meeqa? jedhee warra ishee gaafatu' akka intalti itti boochetti jedhanii deebisu. Fakkeenyi faaruu boo'icha durbaa:

*Loowwan aabbaa ganna tiksee bona tiksee buuqqachaa miila kiyyaa*
*Foonaa aayyii ganna haree bonna haree buuqqachaa harka kiyyaa*
*Yoo buuqqachaa harka kiyyaa naaf malaaftee*
*Aabbiyyoo yoo du'ellee naa galaaftee*
*Qilee malee waa bilileen biyyaa mitii*
*Hiree malee aabbiyyaa waa kun hiriyyaa kiyyaa mitii*
*Ka moluun achi saaqxee ka arriin wawwaraantee*
*Hiriyyaa akee kiyyaa akaakayyuu aabbaa kiyyaa*
*Homa hireen naaf waraabdee*
*Aabboo kiyyaa anillee sin didu wanta hireen ana gootee*
*Dabalamuu qabaa geegawoon ati footee* (MGX: Aanaa Heexosaa, Waxabajjii, 2013*)*

Faaruu boo'icha dubaraa kana keessatti intalti heerumtu akka aadaatti geegawoo naaf dabalaa jettee afaaniin warra isheetti dubbachuu hindandeessu. Sababnisaa, dubarri nama fuunduratti baatee haasa'uun safuu, dhoorkaa waan ta'eefi. Kanaaf, waan garaa qabdu, waan jechuu barbaaddu gama faaruu boo'ichaa dubaraatiin dabarfatti. Yaada ishee geegawoo naaf dabalaa jettu abbaasheetiif himti. Sababnisaas, qabeenya mana sanaa kennuuf kan murteessuu danda'u akkuma aadaattu abbaadha malee haadha miti. Murtee waan kennuu danda'uu kan dabarsu isa. Akkuma isheen heerumtuu (nama gita ishee hintaanetti) murteessuu kan danda'u isa. Kanarraa kan ka'e namni ati itti na heerumsiisaa jirtu kun gita kiyyaallee ta'uu baatu, ani erga hireen—hireen gamana dubartiitti murtoofte naaf fiddee ati jettee si diduu, garuu, qabeenyaa ittiin jiraadhu geegawoo naaf dabali ergaa jedhu ibsatte. Akka ragaa dhihaaterraa ifutti, durbi, keessayyuu, yeroo amma duraa heeruma isheen walqabatee yaada garaa qabdu faaruu boo'icha durbaa jedhamuun ibsatti. Aadaa keessatti dubartiin akka dubbattu hinbarbaadamu; mataa gadi

haa qabattu jedhama. Kanaaf, quuqaa garaa qabdu, waan aadaan itti murtaa'ee hiree durbaati jedhame faaruun ibsatti.

Sirna warroommii keessatti dubartiifi dhiirri walqixa hirmaatanii kan bultii ijaaran ta'us, garuu kana keessatti dubartiittiin qa'ee warra ishee dhiistee deemuun qa'ee alagaa dhaqxi. Haalli kunimmoo dubartii gosaafi hiriyoota ishee keessaa baasuun ko'ummaan akka itti dhagahamu taasisa. Kanammoo intalti heerumtu takka faaruu boo'icha durbaatiin boo'aa faaruun ibsiti. Fakkeenyaaf, durba ta'anii dhalachuun jalqabumaarraa hiree warraafi gosa ofii dhiisanii deemuu waan qabuuf, hiree ishee kana akka ittaanu kana jechuun komachaa deemti:

*Yoo anaaf aayyaa malee eenyutu waarii wawwaari'aa*
*Yoo anaaf saayyaa malee eenyutu tulluu shan qaari'aa*
*Har'a tulluun siif da'ittii aabbiyyaa boru seenaa siif ta'ittii*
*Aayya baarree saamsinaan homa cidhaan dhaqu se'ee*
*Fardoon alaa himimsinaa waan soodiyyoon duulu se'ee*
*Fardoo aabbii kan eegeen daamaa*
*Ganni dhufee bonni dhufee aabbiyyoo maaltu looniin siif godaanaa*
*Godaantuun tarree galtee godanaanii galuun haftee*
*Farda adii ati badii situ karaa kana baasee*
*Hiree durbaa ati badii situ biyyaa ana baasee*
*Biyyaa bahuun laga shanii biyyaa bahee hanga sanii* (MGX: Aanaa Muunessaa, Waxabajjii, 2014*)*

Boo'icha durbaa kana keessatti intalti takka heerumuu ishee osuma beektuu abbaan ishee waan isheen dur gochaafii turte—looniin godaanuu ishee fa'a dhiisee kan ishee heerumsiise akka ta'es itti himti. Sirna warroommii keessatti dubartiin fuudhamtee, booji'amtee deemuu isheerraa boochi; akka aadaattis akka boochu barbaadama. Nama itti heerumte sanaanis akka hoogganamtu, akka too'atamtuufi akka qabeenyaatti kan ilaalamtu ta'uu, akkuma faaruulee boo'icha durbaraarraa hubatamu kana, haala garagaraatiinis ni ibsama. Asirratti intalti heerumtu takka boo'icha durbaa kan boochu heeruma isheetiin, qa'ee warrashee dhiistee deemuun, hiree durbaa duudhaan tumameen walqabatee jijjiirama wa'ii fiduuf ykn heeruma ooluuf miti. Hiree durbaa/dubartii kan aangoo ishee dhoorke, kan afaaniin baastee mormachuu hindandeenya, kan harka biraatiin hoogganamtu, quuqaa garaa qabdu '*Hiree durbaa ati badii situ biyyaa ana baasee'* jechaa hireetti fakkeessitee ibsachuufi. Murtee isheerratti murtaa'ee homaa gochuu akka hindandeenye, nama isheetti dhihoo jiru kan bakka bu'aa abboota durba maraa ta'e abbaa isheerratti hundaa'uun *'aabbaa aabbiyyoo'* jechaanii aangoo qabaachuusaa, isa dabartee waa

gochuu, homaa dubbachuu, fedha ishee raaw'achuu akka hindandeenya, isheefis kennee dhoorkatee, ishees heerumsiisee dhiisee aangoon kanisaa ta'uu karaa iccitii ta'een ibsite.

Akkuma beekamu yaada fuudhamanii deemuu, booji'amuu jedhutu keessa jira waan ta'eef, qa'ee warra intalaa gammachuun jiraachuu dhiisuu mala. Qa'een intalli irraa heerumtu akka qa'ee gurbaa fuudhuu san hoo'a hinqabdu. Akkuma sirba boo'icha durbaarraa hubatamu, qa'ee warra intalaa ni qorra, boo'ichatu jira; kan warra gurbaa immoo fuudhee gala jedhamuun kaawoo qabdi, kolfatu jira. Kana ibsuuf dubartoonni qa'ee warra gurbaa jiran yoo gurbaan galu haati intalaa intalli waan irraa baatuuf kan gadditu ta'uufi haati gurbaa immoo ilmi ishee intala fidee waan dhufuuf kan gammadduu ta'uu ibsan:
*'Haati intalaa yoona ni bootti haati gurbaa caammumaan boontii'* jechuun ibsu. Sababnisaas, intalliifi meeshaaleen, horiin qa'ee warra intalaarraa fudhatamanii gara qa'ee warra gurbaa geeffamu. Fakkeenyaaf, akkuma kutaa sirna dhalootaa mata-duree fudhatee galuufi fudhatamtee deemuu jedhu keessatti ibsame, warra intalaatti yoo intala gaggeesanii galan haadholiifi ijoollee dubaraa boo'aa gara manaa deebi'u. Haalli kun gaafa cidhaa uumame osoo hintaane, guyyaa dhalootarraa eegala. Maatiin tokko yoo ilmoon argate dubara taate akka yoo dhiira argatee san gammachuu guddaa hinqabu. Akka Jeyla (2004) barreesseetti, dubbii fudhachuufi fudhatamuu jedhutu duuba jira.

Yaada kana sirriitti hubachuuf sirba warra gurbaafi intalaatti sirbuma ilaaluun gahaadha. Warra intalaatti sirbi sirbamu faaruu boo'icha durbaa jedhamuufi kan adda bahuu ibsuudha. Kan qa'ee warra gurbaatti akkuma kutaa sirna dhalootaa mata-duree fudhatee galuufi fudhatamtee deemuu jedhu jalatti ibsame, sirbamu sirba dafii fidii, fuudhii koottu, ati goota jedhuufi kkf dha. Warra intalaatti wanti raaw'atamu hundi kan boo'ichaan walqabate haa ta'u malee, warra gurbaafi gurbaan walqabatetti wanti godhamu kan gammachuu ibsuufi gootummaa agarsiisuudha. Kunis, akkuma faaruu mana gurbaatti faarsamurraa mul'atu, wanti gurbaafi gurbaan walqabatee ta'u gurbaarra darbee gosaattillee kan jajsiisu, kan olqaqqabuufi jajjabeessuudha.

Akkasumas, intalti heerumtu yaaddoo booda mana warra dhirsaatti irra gahu ibsachaatuma deemti. Fakkeenyaaf, abbaan warraa erga akka haadha warraatti ishee fuudhee kan ishee

dhaanuu danda’u ta’uufi haati dhirsaa bakka haadha tiyyaa naaf hingeessu yaada jedhu ibsuuf boo’icha durbaa bifa faaruutiin:

*Haati ambaa ambumaa haati ofii namuma*
*Haati ambaa haadhichoon homa ofii dhaadhechitii*
*Haati ofii haadhichoon homa dhaleet faarechitii*
*Halangeen halangumaa roobii qabdii*
*Kan naaphxichaa addaarraa doobbii qabdii*
*Doobbillee dooftullee laallesitii*
*Haadhichoon haati naaphaa homa xiqqoo dhaadhessitii* (AFG: Gishuu Kadiir, Aanaa Heexosaa, Waxabajjii, 2013)

Intalli takka heerumtee yoo warra dhirsaa dhaqxu abbaa manaa isheetti aansee jalqabarratti namni hariiroo bal’aa waliin qabaattu haadha dhirsa isheeti. Haati dhirsa ishee immoo akka haadha ishee san waa hunda kan irra dabartuufii miti. Akka faaruu boo’icha durbaa kanarraa mul’atu haati ormaa homa xiqqoo yoo agartu hoo’isti. Kanaaf, intalli heerumaaf karaarra jirtu takka gaafa qa’ee warra ishee dhiistee heerumaaf qa’ee alagaa dhaqxu waan caasaa aadaa hawaasaa keessatti barameefi qabatamaanis jiraachuu malu dhaamachaa baati Darbees, haala qa’ee warra itti heerumtuutti ishee eegu—amatii, gosa ormaafi kkf waliin akkamiin ofmijeessitee ykn itti ofmadaqsitee jiraachuu akka qabdu ibsaa deemti. Haati ilmoo ofii dhalte takkaaf waan hunda kan dhoksitu, waan hedduurraa kan ishee daheessitu, waa’uma ishee kan faarsitu ta’uu, ‘*Haati ofii haadhichoon homa dhaleet faarechitii’* jechuun intalli heerumtu takka waa’ee haadha ishee amaatiidhaan walbira qabdee ibsite. Akkasumas, abbaan warraa tokko haadha warraa fuudhe takka akkuma faaruu dhihaaterraa hubachuun danda’amu, akka fedhetti dhaannachuu—‘alageen sirritti laallessee akka gubaa doobbiitti bobeessee dhaanu kan danda’u ta’uu; isheen immoo wanti akka kanaa kan ishee eeggatu ta’uu, haati nyaaphaa immoo kanarraa kan ishee hindaheessine ta’uu faaruu boo’icha durbaan ibsaa akka deemtu mul’isa.

Intalti heerumtu yoo gaa’elaan warra dhirsaa dhaqxu hariiroo isheefi haadha abbaa warraa gidduu jiru gaarii akka hintaanetti yaadama; haati dhirsaa akka haadha ofii namaaf hintaatu nama miiti jedhama. Kanarraa ka’uun intalti heerumtu takka waan/dhiibbaa bakka dhaqxutti haati dhirsaa irraan gahuu dandeessu faaruu boo’icha durbaa keessatti kaasaa deemti. Ta’us, dhiibbaan irra gahuu kan beektullee ta’u, garuu akka aadaafi duudhaa Arsiitti, soddoomni wayyooma

ta'uurraan haati dhirsaas wayyuu waan taateef wayyoomumaan kan waliin bultu ta'uu eerti. Kanammoo faaruu yeroo marii garee haawwonni kaasan ittaanurraa ilaaluu dandeenya.

*Itillettii kasaa hinqabnee akkamuumaan afatanii*
*Soddaatii wayyuu Rabbii attamumaan hamatanii*
*Hinhamadhuu sooressatuu nadhagayaa*
*Maayessatuu natti nahaa*
*Eebba gosaatu faana bahaa*
*Ittuu dhugaa Sabaree xiqqoo tiyya hoo*
*Ittuu dhaqaa Soddaatii hirkoo tiyya hoo* (MGX: Aanaa Diksiis, Sadaasa 2014)

Intalli heerumtu takka haati dhirsaa akka haadha ishee ta'uufii baattus isheen akkuma safuu hawaasaatti ani ishee hinhamadhu, hamachuun narraa hineegamu, yoon hamadhe safuun cabsa, Waaqnillee, namnillee natti mufata (eebban dhaba, nan abaarama) yaada jedhu ibsuun hariiroo ofdura ijaarrachuuf deemtu faaruu boo'ichaan ibsite. Soddaatiis dabalatee, warri soddaa intala itti heerumtuuf bakka isheen mana itti ijaarrachuun jireenya ishee itti qajeelchitu, ishummaa ishee itti mirkaneessitu waan ta'eef, wayyoomaan waliin bulti. Intalti heerumtu takka ergan heerumaan qa'ee ambaa dhaqee wanti fedhes ta'u obseetuman jiraadha ergaa jedhus faaruun ibsaa deemti. Intalli bakka/warra heerumtetti akkuma beekamu gaheen ishee karraan ol waan ta'eef, haadha abbaa warraa ishee waliini hariiroo guddaa kan qabdi. Kanaaf, haati abbaa warraa akka haadha ofii ta'uus baattu, haadha soddaa wayyuu taaterrarri waan aadaafi duudhaa keessatti fudhatama hinqabne dalagurra akkuma jirutti waliin buluu akka barbaachisu ibsame. Akkuma itillee kasaa (dabbasaa/rifeensa) hinqabne afatanii irra rafuun nama rakkisu, haati dhirsaa ykn soddaatiin wayyuudha—kabajamtuudha; kanaaf hamachuun safuudha.

Gaa'ela ijaarrachuu keessatti intalti heerumtu haala kanaan boo'icha durbaatiin ergaalee adda addaa haa dabarsitu malee, gurbaan fuudhu wanti inni jedhu hinjiru. Akkasumas, intalli heerumtu haadha abbaa warraashee kan mana keessatti gahee waliin qabduun ala abbaa gurbaatiin walqabatee wanti isheen boo'ichaan ibsite hinjiru.

### 5.2.7. Dhaamsa Gaa'elarratti Intala Heerumtuun Walqabatee Dhaamamu

Akka ragaaleen aanaalee sadan keessaa argaman mirkaneessanitti, akkuma intalti heerumtu ergaafi marartee ibsattu, intala heerumtuun walqabatee haati, abbaafi haawwan haala adda addaatiin dhaamsaalee dabarsu. Haatiifi abbaan warri gurbaa haalatti intala isaanii itti qabuu

qabanirratti dhaamu. Haawwan immoo intalli akkamiin ofeeggattee buluu akka qabdu sirbaan dhaamuufi. Dhaamsalee kanneen bal'inni isaanii keeyyataalee ittaanaan keessatti dhihaateera.

Abbaan intalaa gurbaa fuudhuuf ykn gosa gurbaatiif haalatti isaan intalasaa qabuu qaban gosasaa waliin hamaamota keessa taa'ee dhaamsa dabarsuuf qaba. Dhaamsi inni dabarsu kun akka kan dubartootaa sirbaan osoo hintaane, hamaamotuma fuuldura dhaabbatee dubbachuuni. Akkuma kana haatis haala aadaafi duudhaa Arsiirratti hundaa'een ni dhaammatti.

**Dhaamsa Haadha Intalaa Gurbaaf:** ragaan aanaalee sadanirraa argame akka mul'isutti, dhaamsi haadhaa kan ta'u bakka haati intalaa erga intalli baate waahillan ishee waliin manatti gurbaa fuudhu qophooftee eegdutti. Haati intalaa guyyaa cidha intala ishee gara fuula duraa baatee hinmul'atu; baatee mul'achuunis safuu/qaaniidha. Dubartiin golatti waan jedhamuuf, isheen kan dhaammattu yoo gurbaan intala ishee fuudhu diinqatti harka ishee fuudhuu dhaquudha. Amalli haati agarsiistu ilaalcha namni intalaaf qabaaturrattis dhiibbaa fida waan ta'eef, haati intalaa yoo sochootu, adaba akka aadaa Arsiitti dubartiin haa qabaattu jedhamee beekamu gonfachuun sochooti.

Daaw'annaa sirna fuudhaafi heerumaafi afgaafii haawwaniif aanaalee sadanitti taasiseen akkan hubatametti, yeroo intala fudhatanii bahan gurbaan oldeebi'ee haadha intalaa harka fuudhuun meeshaadaalee safuu haati intalaaf qopheessitu Baarreefi Siinqee irraa fudhata (Suuraa 08 ilaali). Yoo Gurbaan harka fuudhuu dhaqu haati intalaa Baarreefi Siinqee, akkasumas, Buna Qalaa qabattee eegdi. Gurbaanis yoo bira gahu Buna Qalame harkarraa nyaatee margaan—horiidhaan (qarshii) harka fuudha. Isheenimmoo Baarreefi Siinqee harkaa qabdu *'hoo Baarree, hoo Barsee'* jechaa itti kenniti. Baarreen meeshaadaa aannaniin guutamte; Barseen immoo micayyoodha. Baarree, Siinqeefi Buna Qalaan maal akka ta'an ykn fakkoommii akkamii akka qaban kutaa fakkoommii jalatti ibsame achii ilaali! Akkasumas, sababa dhiibbaalee garagaraa aadaa Arsiirraa gahaa jiranii yeroo ammaa sirni kun bifasaa isa ganamaafi xiyyeeffannoo dhabaara.



**Suuraa 08: yoo gurbaan haadha intalaarra Siinqee, Baarree, Boraatiifi meeshaa urgoo fudhatee bahu mul'isu (Caamsaa 21/2014, A/Heexosaatti kaafame)**

**Dhaamsa Abbaa Intalaa Gurbaafi Gosa Gurbaatiif:** guyyaa cidhaa abbaan iltalaa yoo gurbaan intala fudhatee deemuuf ka'u wayyooma soddoonni walirraa qabaniifi haalatti gurbaan intala itti bulfachuu qaburratti dhaamsa gurbaafi gosa gurbaatiif dhaamu qaba. Kanas yaada marii garee xiyyeeffannooa argame ittaanurrraa haa ilaallu.

> *Maarree na dhaabi jettee an si dhaabe, ani intala tiyya gosaanan sii kenne, intalli dahoo haa taatu, uumaafi karra san haa taatu, deettuu teettuu haa taatu, ebbisee sii kenne; jaarsi gara gurbaa eebbisii narraa fudhu. Intala irraa jala ishee, safuu ishee ilaallatee jaalateeti, nas jaalateeti natti dhuftee, naaf kenne, natti gurgure jettee yoo safuu cabsite:*

> *Ani intala ija sittin gurgurre, lafee sittin gurgurre, mataa buqqisuu sittin gurgurre, ilkaan cabsuun sittin gurgurre, harkaa luka cabsuu sitti hingurgurre, kanaan ala dirri laafoon (jilbaa ol, harmaa gadi) keetii dhaannadhu jechuun gosaafi firarratti itti hima. Kana dabartee qaama isheerratti miidhaa/mudaa yoo geessiste: ilkaan cabsitu, ija balleessitu, harkaa miila cabsitu, qajjiisa buqqistu, ani intala gosaafan kennee gosaan gumaa baastu jechuun dhaammata. Yeroo dhaammatu kana abbaan intalaa farda*

*meeshaa guutuufi alangee waliin fe'ee* gurbaaf *kenna. Alangeen tun wayyooma qabdi, intala tiyya dirra malee ija, ilkaan, gurra dhahuun mudaa itti godhuu hinqabdu jedhaani. Warra* gurbaa *keessaa immoo jaarsi maarree lallabatee maal jenna? jechuun dubbii hamaamotaan gaha. Maarree sirraa fudhadhe, waan caffeen jedhu, waan Gadaan jedhu sirraa fudhadhe, guuttadhe, ija dabsu, naaf yaa hortuufan, bakka kiyya haa buutuufan, dahoo, utubaa tiyya haa taatufan sirraa fuudhe; waan ati jette anillee sii qajeele, sii gale' jechuudhaan ittiin waliigaluu ibsaafi.* (MGX: Aanaa Heexosaa, Waxabajjii, 2013)

Dhaamsa gaa'elarratti dhaamamu keessatti, bultii kan ijaarratu mucaafi micayyoo ta'anii osoo jiraanuu garuu, kan baay'inaan itti xiyyeeffatamee dhaamsi dhaamamuuf, wanti baay'een kan jedhamuufi irraa eegamu—fakkeenyaaf, ilmoo argachuu, durba ta'uufi kkf intala. Fuudhaa heerumarratti gurbaa fuudhuun walqabatee wanti dhaamamu hinjiru. Jalqabarratti intala heerumtuuf wanti dhaamamuuf, akkuma akka Arsiitti intala gurguruu jedhamu, intalli takka warra irraa dhalaterraa baate warra itti heerumtu waan dhaqxuuf, achitti miidhaan akkarra hingeenyeef yaadameeti. Sababni gurbaaf hindhaamamneef, akka adaatti dhiiraatu dubartii moo'uun bulcha waan ta'eef, intalli daangaa darbuun isaarraan dhiibbaa geessi jedhamee waan hinyaadamneefi. Inni kan ilaalamu akka olaanaa, bulchaa, ajajaa, miidhaa ta'eetti. Isaaf dhaamsa—keessaayyuu, dubartiin miidhama jedhanii dhaamuun dhiirummaasaarratti dhiibbaa qabaata. Kanaaf, isa miidhaanis kanirra gahu yoo ta'e, wanti gumaan akka bahuuf nama lallabsiisu hinjiru. Jalqabaratti intala heerumtuun walqabatee dhaamsi kan dhaamamuuf, intalli gosa ishee keessaa baatee gosa ormaatti waan galtuuf, achitti miidhaan akka irra hingeenyeefi.

Dhaamsa abbaarratti wanti jedhamu ykn mirgi kennamu gurbaafi. Jechumti dhaamsa abbaa keessa jiru 'gurgure' jedhu, kan waan tokko qarshiin bitachuu ibsu, intalli akka meeshaa qarshiin gurgurameetti warra soddaatiif kennamte ta'uu ibsa. Innis akka gurbaan niitiisaa akka fedhetti bulchuuf kan gorsuudha. Isheef immoo kan dhaamamu akka inni siin jedhetti ajajamii buliidha. Abbaan intalaa yeruma dhaammatu gurbaa fuudhuuf alangee waliin farda faaya guutuun fe'ee kenna. Kunis, gurbichi alangee fayyadamee fardichatti dhimma bahuu akkuma danda'u, intalas osoo mudaa itti hingodhin alangee tanaan bulfachuu akka qabuudha. Kanarratti abbaan intalaa osuma alangeen wayyooma qabdi jedhuu gurbaan intala akka qabeenya ykn horiisaatti ittiin dhaannachuu akka qabu, olaantumaan ishee bulchuu akka qabu dhaamaafi. Akka abboonniifi haawwonni ibsanitti, abbaan intalaa gurbaaf farda kennuun fardi jayna, wayyuudha waan ta'eef, kabaja warra soddaaf qabu mul'isuufi.

Abbaan intalaa gurbaaf alangee kennuun akkuma dhaamsa abbaarraa hubachuun danda'amu, gurbaan alangeen intala akka dhaannatuufi. Jiruu jireenya keessatti dhirsii niitii dhaanuun akkuma sirna marsaa jireenyaa dhaloota jalatti ibsame, yeroo Qanafaa ofirraa qabdutti hinta'in malee, akka waan seera-qabeessaatti nama hundaan kan fudhatamuudha. Akka caasaa ijaarama duudhaa hawaasaatti, abbaan warraa haadha warraa dhaanuun waanuma sirriidha jedhameeti fudhatama. Inni ishee dhaanuun akka leenjisuufi jaalalatuutti ilaalama. Haalli kun hawaasa keessatti bu'ura cimaa qabaachuurraan kan ka'e, hawaasni gochicha niitii dhaanuu akka hojii tokkootti fudhachuun mammaaksa *'yeruma niitii teenya itti dhaannannullee dhabne'* jedhama jechuun ibsani. Kun kan agarsiisu niitii dhaannachuun akkuma hojii idilee tokkootti fudhatamuun akka karoorfamuudha. Haawwoliin akka ibsanitti, haati warraa yoo abbaan warraashee tume na tume jettee baatee akka himattu hinbarbaadamu. Kanarraa kan ka'e—keessaayyuu, bara amma duraa haati warraa takka takka abbaan warraa hanga fedhellee dhiiga irra yaasee yoo tume na dhukkuba jetteetuma dhokfattee ciifti malee baatee ollaas ta'ee fira isheetti hinhimattu. Yaada kan akka odeef-kennaan Sa'id Abdoo jedhaman Aanaa Heexosaatti yeroo afgaafii ibsanitti, akkana gochuun ishee kun abbaa warraatiin jaalatamuufi kabaja isaatiifi.

**Dhaamsa Haawwolii Intala Heerumtuuf:** Intala heerumtu takkaaf warra isheen ala haawwoliinis akkaataa isheen akkuma haawwan ishee duraa abbaa warraa isheetiif itti ajajamtee, sodaattee, kabajjee bultu haallitti dhaamaniif jira. Kana dhaamsa haawwan intala heerumtuuf guyyaa cidhaa dhaaman faaruu armaan gadiirraa hubachuu dandeenya.

*Wannin siif dhaamu yaa qalayyoo too*
*Eelee galgalaa eeboo balbalaa*
*Abiddi dhaamin gandaa sin waamin*
*Yaamu awwaadhuu dhaanu watwaadhuu* (MGX: Aanaa Diksiis, Sadaasa, 2014)

Dhaamsi haawwoliin intala heerumtuuf dabarsan kun aadaafi duudhaa sirna bulchiinsa dhiiraa irratti hundaa'e ibsa. Aadaa sirna bulchiinsa dhiiraarratti hundaa'e keessatti karaan dhiiraafi dubartiin hawaasa keessatti itti socho'uu qaban inni tokko ajajaa (dhiirri) fi inni biraa immoo ajajamaa/tuu (dubartiin) ta'eeni. Faaruu armaan olii haawwoliin intala heerumtuuf dhaamsa ittiin dhaaman kana keessattis kanumatu calaqqisa. Isaanis kan dhaaman intalli osoo hingalgaleessin abbaa warraa isheetiif nyaata yerootti qopheessuun tajaajiluu akka qabduudha. Eeboo balbala kan jedhu immoo duudhaa keessatti, kan dubartiin takka abbaa warraa malee dhiira biraa—

keessaayyuu, waarsaa (nama gaafa abbaan warraa yoo lubbuun darbe ishee dhaaluu danda'u) waliin hariiroo qabaachuu dandeessuudha. Kanaaf, haawwan intalli abbaa warraa ishee malee nama biraa waliin hariiroo akka hingodhanneefi kanarraa akka ofeeggattu dhaamaniifi.

Abiddi hindhamin, gandaa siyaamin jechuun, abidda manaa dhaamsitee mana cufuun qorrisiistee manaa hindeemin, yeroo mara qophii ta'uun abbaa warraa kee eegi kan jedhu ibsa. Gaa'eala keessatti abidda jechuun jireenya, mana ofiifi waan ittiin jiraatan jechuudha. Kanarraa ka'uun akka aadaatti namni tokko gaa'ela qabaa jedhanii gaafachuu yoo barbaadan abidda qabaa/qabdii jedhu. Kanaaf, haawwan intala gaa'ela ijaarrachaa jirtu yoo gorsan abbaan warraa kee jireenyaa keetii—abiddaa, ofeeggaannoofi kunuunsaan qabadhu jechuudhaaf, ibiddi hindhaamin jechuun dhaamnaniifi. Akkasumas, yaamu awwaadhu, dhaanu watwaadhuun yoo inni si ajaje dafii ajajami/awwaadhu, yoo si dhaanes mirgi kan isaatii kadhadhu malee isaan qixa itti hindubbatin ergaa jedhu dabarsa. Gadjedhii ajajami, isaanis hoogganamuun safuu eegii buli jechuudhaan gahee ishee itti himu. Wanti haawwonni intala heerumtuuf dhaamsa akkanaa dhaamaniif, ijaarsa aadaa sirna bulchiinsa dhiiraarratti hundaa'e keessatti bakki (gaheen) dubartiin qabdu mataa gadi qabattee ajajmtee buluudha.

#### 5.2.8. Simannaa Intalaa Warra Gurbaatti

Daaw'annaa sirna gaa'elaarratti taasifameefi ragaalee aanaalee iddattoo qorannichaarraa argameen akkan hubadhetti, yoo gurbaan intala fudhatee warrasaatiin gahu warri gurbaa ililchaa mucicha faarsaa simatu. Haati gurbaa waahila ishee waliin itillee safuu (kan booda gurbaafi intalli irra rafaniifi guyyaa kanarraa eegaltee diririirtu) haaraa, fayyaafi qulqulluu taate afanii irra teechisuun garbuu/biqila garbuu irratti naquun intala irra teechisuun ilma baachisu.

**Sarara Ilmi Misirrittiin Baattu Irraa Dhufu:** ilmi misirrittiin cidharratti baattu sararri dhufaatiisaa osoon hinbeekamin ilmuma ta'eef kan baatamu miti. Akka aadaafi duudhaa Arsiitti ilmi misirroon gaafa cidhaa baattu ilma gara sarara dhiiraatiin jiru ta'uu qaba. Ilma gara sarara dhiiraatiin jiru jechuun, dubartiin durumaa gosa warra itti heerumteen waamamti waan ta'eef, ilmi ishee dhiiruma ta'eef hinbaatamu. Ilmi intalaa gulantaa warra haadha isaatti hinowwaatu; seerris hinkennuufi. Kanaaf, ilmi gaa'elarratti baatamu ilma gara sarara dhiiraatiin jiru kan waamamnisaa gosa sanaan ta'eedha. Jalqabarratti wanti misirroon cidharratti daa'ima—keessaayyuu, dhiira baattuuf gaa'elicha keessatti milkiin tolee isheenis ilmoo—ilmoo dhiiraa

akka deessuufi. Ilmi gaa'elarratti milkiif baatamu caalumatti milkiin akka toluuf; darbees, gosni akka mul'atuuf sarara dhiiraa keessaa ta'a jechuudha.



**Suuraa 09: yoo haawwan intala irraa teessisuuf itilleerratti garbuu naqanii eegaa jiran mul'su. (Caamsaa 21/2014, A/Heexosaatti kaafame)**

Ittaansee haati gurbaa hanfalaa ofii furuun kan intalaas furtiifii; aannan unachuun intalatti biifaa *'hangan ani hore hori'* jechuun eebbisti. Yeroo haati gurbaa hanfalaa furtu gurbaan haadhaaf geegawoo keessaa horii hanfal-furii akka kennu taasifama. Wantoonni haati gurbaa raaw'atu kanneen maaliif akka raaw'ataman (kutaa fakkoommii, boqonnaa 6; 6.2 jalaa ilaali).

Afgaafii yeroo daaw'annaa iddoo biraatti taasifameen akka ibsametti, Hanfalaa jechuun, meeshaadaa dubartiin heerumte mudhiin ittiin hidhattu bara durii kan gogaarrraa dhadhaan laafee tolfamu; bara ammaa immoo jibriirraa hojjetamuufi sabbata jedhamuun beekamuudha. Dubartiin

takka hanfalaa kan hidhattu gaafa heerumaan warra dhirsaa dhaqxee eegalteeti. Sirni hanfal-furii erga raaw'atee ittaansuu, hoolaan Rakoo dhihaatee qalamuun intalli ittiin warroomfatti. Hoolaan Rakoo intalli akka ittiin warroomtuuf warra gurbaatiin qalamtu fakkoommii (Boqonnaa jaha 6.2.2 ilaali) qabdi. Kun ta'us, akka odeef-kennitoonni eeranitti, yeroo ammaa sirni Rakoo sababoota garagaraarraa ka'uun akka Arsiitti sadarkaa hafuurra gaheera (Bal'inni waa'een kanaa Boqonnaa saddeet jalatti ibsameera).

#### 5.2.9. Misirroof Maqaa Baasuu

Sirni misirroof maqaa baasuu kan adeemsifamu guyyuma cidhaa galgalaafi bariisaadha. Warri gurbaa intalaaf maaliif maqaa akka moggsaniif ragaa ittaanurraa haa ilaallu.

> *Wanti warri—haatiifi abbaan gurbaa intala fuudhaniif maqaa moggaasaniif, intalli dura maqaa warri ishee baaseef hinqabduuf* osoo hintaane, *warri gurbaa intala fuudhaan Sirna Rakootiin akkuma kan ofii taasifatan,akkuma amma dhalattetti maqaa haaraa baasufiin ittiin waamuufi. Maqaan warri gurbaa intalaaf baasanis: Hirkoo, Dawoo, Nafoofi kkf fa'a ta'uu mala.* (MGX: Aanaa Heexosaa, Caamsaa, 2015)

Misirroof maqaa biraa moggaasuun dhaloonni dubartii bakka lamatti: tokko dhaloota foonii kan warra isheerraa itti dhalattuudha. Lammata immoo dhaloota hawaasaa kan bakka/warra itti heerumtu/warroomturraa dhalattuudha. Dhaloonni dubartii lama jechuun akkuma beekamu nama tokkoof maqaan kan mogga'u yoo namni sirnoota marsaa jireenyaa keessaa dhalootaan gara addunyaa dhufuudha. Kana jechuun, mogga'uu maqaa nama tokkootiif dhaloonni ykn jijjiiramni wayii jireenya nama tokkoorratti mul'achuu barbaachisa jechuudha. Akkuma kana intalli takka gosarraa dhalatte dhiistee heerumaan gara gosatti warroomtuutti yoo deemte akka waan reef dhalatteetti maqaan haaraan mogga'aafi (Berry, 1984).

Misirriittiin guyyaa warra ishee dhiistee warra itti heerumte dhaqxerraa eegaltee warra ishee dhiisuun miseensa maatii itti heerumtee taati. Kanumaaf, guyyaa kana akka waan har'a dhalatteetti maqaan haaraan moggaa'aafi. Kanarraa ka'uun maatiin tokko yoo durbi dhalattu kan ormaati jechuun alagoomsaa deema jechuudha. Kanas intalli warrarraa dhalatterra warra itti heerumteef fira/kanisaanii ta'uushee maqaa warra heerumtetti itti baheerraa ilaaluun nidanda'ama. Innis intalli warra itti heerumteef: Dawoo—gaaddisa, Hirkoo—gargaartuu, Nafoo—qaama isaanii ta'uu ibsuuf maqaalee kanneen kanitti moggaafaman ta'uudha. Haatiifi abbaan gurbaa intala ilmi isaanii fuudheef maqaan isaan moggaasan dhimmoota/ergaa isaan

qaban ykn gurbaa fuudhuun walqabatee waan isaan argachuu barbaadan, hangafummaafi quxusummaa gurbaa fuudhuufi kkf irratti hundaa'a.

Intalaaf guyyaan itti heerumtu guyyaa bakka guddaa qabuufi akka nama guutuutti itti fudhatamtuufi bakki jireenyaa ishee itti beekamuudha. Kuni kan agarsiisu, durba bakki jireenya ishee kan murtaa'u warra irraa dhalatteen osoo hintaane, warra itti heerumteen ta'uudha. Maqaa moggaasuun walqabatee gurbaa fuudhuuf maqaan hinmogga'u. Isaaf maqaan mogga'uufi hanga dhumaatti isa faana turu, maqaa warrisaa gaafa inni dhalatu moggaasaniifiidha. Misirrittiidhaaf maqaa kan moggaasu haadhaafi abbaa gurbaati.

### 5.2.10. Sirna Dhoofsisa

Akka ragaan iddoolee iddattoo qorannichaa ta'an aanaalee sadan keessaa karaa daaw'annaa, afgaafiifi marii garee argame mul'isutti, warra gurbaatti guyyaa cidhaa bariisaa sirna loon dhahachuu kan Dhoofsisa jedhamutu jira. *"Sirni loon dhahachuu guyyaa murtiin itti kennamu ykn guyyaa gurbaan fuudhu abbaa karraa, intalli heerumtu immoo haadha karraa itti ta'aniidha"* (Muhaammad Aadam, Aanaa Heexosaa, Sadaasa 2014). Akka haawwonniifi abboonni yaada kennan mirkaneessanitti, guyyaan kun guyyaa murtiiti jedhama. Guyyaa gurbaafi intalli qabeenya warra isaaniifi gosarraa kennameef itti mirkaneeffatan, guyyaa qabeenya ofii adda itti baafatani.

Loon dhahannaarratti, misirroon daa'ima dhiiraa dugdarratti baattee Siinqee, Elemtuufi Gaadii; akkasuma gurbaanis Alangeefi ulee Waddeessaa qabatanii aayya na dhaabi, aabba na dhaabi jechuun warraafi gosa gaafatu. Kanumaan abbaan ijoollee tiyya nan dhaaba jechuun dura deemee gurbaan qotiyyoo kana, sa'a tana, raada… kana dhahi jedhaani. Yeroo kana gurbaan Alangeefi Waddeessa qabatee muka jiidhaadhaan loon abbaan jedhe dhaha. Loon inni dhahe intalli mana teessee dhaggeeffatti. Loon dhahachuun gurbaan loon kiyya kana jedhee intalatti mul'isuun, qabeenya isaanii beekuu, mirkaneessuu ibsa.

Horiin gurbaafi intalli dhahatan kun handhuuraa/kanuma isaaniiti; warris safuu seene kenne waan ta'eef, gaabbee irraa fudhachuu hindanda'u. Sirna dhoofsisaarratti warra qofatu misirrootaaf kennaa kenna osoo hintaane, gosnis ni kenna. Haa ta'u malee, yeroo ammaa sirni dhoofsisaa dhimmoota akka diinagdee, ammayyummaafi kkf irraa kan ka'e (Boqonnaa 8 ilaali)

gama waan kennamuufi akkatti kennamuutiin akka yeroo amma duraatti adeemsifamaa akka hinjirre odeef-kennitoonni ni eeru. Kunis, sirni dhoofsisaa bara durii looniifi lafa qonnaa ture amma gara qarshiitti akka jijjiirame ragaan argame ni mrkaneessa.




**Suuraa 10: Dhoofsisa bara ammaa loon dhahachuun osoo hintaane qarshii walitti qabuun ta'aa jiru mul'isu (A/Heexosaa Amajjii 18/2016 kafame)**

### 5.2.11. Waarsaa

Yeroo dirree qorannoo turametti daaw'annaafi afgaafii yeroo daaw'annaa taasiseen akkan hubadhaetti, Waarsaan nama bakka gurbaa bu'udha akkuma jedhamu, guyyaa cidhaa gurbaan fuudhu misirroo waan ta'eef, bakka gurbaa bu'uun wantoota adda addaa hojjechuun gurbaa gargaara. Kanumaan walqabatee akka ibsa haawwoliitti, guyyaa cidhaa meeshaaleefi dhangaalee warri intalaaf kennan too'atee qindeessuun kan galuun nama boru intala tana dhaaluu danda'u kan Waarsaa jedhamu kana. Nama kana abbaa warraatti aanee dhimmi mana kanaa isa ilaallata. Akkuma gosa fuudhaa heerumaa dhaala jalatti ibsame, Waarsaan nama gaafa abbaan warraa lubbuun darbe haadha warraa dhaaluudha. Namni yoo abbaan warraa miidhamu haadha warraa dhaalu nama yeruma fuudhaa heerumaa akka aadaafi duudhaatti seeratu kennaaf, haadha warraati dhaala jedhamuun beekamuudha. Kanaaf, namni kun guyyaa fuudhaa heerumaa ta'ee yeroo biraa nama bakka gurbaa bu'uun dhimmamee waa hunda raaw'achuun dirqamasaa bahu.

Obbo Xaawuu Raaboo, Aanaa Diksiis, Sadaasa 2014 akka ibsanitti, warri intalaa nama intala isaaniitiif waarsaa ta'e jiraachuusaa haaluma adda addaa keessa (gaafa Alangee lamuu fa'a)

hubachaa deemu; akka jiraatuus fedhu. Sababni kun ta'uuf, waan akka duudhaa Arsiitti beekamu, gaafa gurbaan intala fuudhe waa ta'e (du'e) nama intala teenya dhaalu, ijoollee isaa guddisu, kan intala tanarraa seera baasu jiraachuu isaa beekuufi. Warri intalaa nama intala isaanii gaafa abbaan warraa irraa du'e dhaalu—Waarsaa akka wabii intalaatti ilaalu. Dhiiraafi dubartiin yoo gaa'ela ijaarratan abbaan manaa gama diinagdeetiin waa hunda dhiheessuun akka ishee horatu beekamaadha. Kanaaf, gaa'ela kana keessatti yoo abbaan warraa miidhame manni ni qaawwa. Kanarraa ka'uun warri intalaa gaafa intalli isaanii heerumtu akkuma jiruun jirtu duunis jirtii, yoo akka carraa ta'ee abbaan warraa ishee kan lubbuun darbu ta'e, nama bakka abbaa warraa bu'uun ishee dhaalu waarsaan jiraachuufi dhiisuusaa adda baafatan jechuudha.

Waarsaa kan ta'u gurbaa obboleessa abbaa gurbaa fuudhuuti. Yoo ilmi obboleessa abbaa gurbaa kan hinjirre ykn hintaane ta'e, gosa abbaa gurbaa warra dhiiraa keessaa barbaadu. Yoo gosa warra dhiiraa keessaa dhabanii immoo gosa abbaa gurbaa warreen dubartootaa keessaa baalchanna jedhu. Ni baalchanna jechuun, gosa abbaa isa akka duudhaatti fudhatama qabu warra dhiiraarraa dhabnee gara obboleewwan abbaa gurbaa dubartootaa keessaa liqeeffanna jechuudha. Kana yoo godhan, intalli heerumte cinaacha bitaa warraati waan jedhamtuuf, cinaacha mirgaa keessaa nama kana nuuf guutu dhabnee, kanaaf immoo cinaacha bitaa kana mirgatti deeffanna jechuun ilmaan dhiiraa obboleewwan dubartootaa abbaa gurbaa gosa ormaa keessa jiran seera kanaan waarsaa taasisu. Ijoolleen dhiiraa gara haadha gurbaatiin jiran ulaagaa kana guutuu hindanda'ani. Ilmi obboleettii abbaa kan gara dubartiitiin jiru ta'ee rakkoon jiraatus, ilma gosa haadha gurbaa fuudhuu waliin yoo madaalamu, isuma obboleettii abbaa kan gara gosa abbaatiin jiru kanatu ilma gara gosa haadha gurbaa fuudhuutiin jirurra filatama.

Waarsichi erga haala kanaan nama hunda biratti beekamee booda, yeroo abbaan warraa hinjirre, wanti kun gochaan amma jiraachuu baatus, wanti akka safuutti jiru, intala bira dhaquu akka danda'uudha. Akka ragaan abbootiifi haawwotiirraa argame mul'isutti, waarsaan bakka abbaan warraa hinjirreetti yoo dubartii waarsaa ta'uuf bira kan dhaqu ta'e, akkuma duudhaa hawaasaa keessatti beekamu, eeboo balbalarra kaa'ata. Abbaan warraa gara manaa deebi'ee yoo eeboo kana balbalarratti arge duubatti deebi'a malee mana hinseenu jedhama. Osoo seeneeyyuu, waarsichi seeran bahee himatee adabsiisuu ykn beenyaa irraa nyaachuu danda'a.

## 5.3. Sirnoota Yeroo Boo’ichaa Oromoo Arsiin Raaw’ataman Koornayaa Ijaaruu, Ibsuufi Daddabarsuurratti

Kutaa kana keessatti gochaaleen sirna boo’ichaa Oromoo Arsiirratti raaw’atan koornayaa ijaaruurratti gahee akkamii akka qabantu xiinxalame. Oromoos dabalatee ummanni kamuu du’aan walqabatee hubannaa mataasaa qaba. Akkasumas, yeroo gaddaa saala nama du’eerratti hundaa’uun haalatti gaddicha ibsan (Boochisan), akkaataa nama namni irraa du’e/duute itti eebbisan/jajjabeessan, haalatti namni namni irrra du’e yaada garaa qabu dabarfatuufi kkf jira. Kanumaan qabxiileen kunneen maal akka ta’an mata-dureelee ittaanaan keessatti tokko tokkoon ibsamaniiru.

### 5.3.1. Du’aan Walqabatee Hubannaa Hawaasaa

Du’aan walqabatee Oromoon ilaalcha akkuma gammachuun jiru gaddis jira jedhu amana. Turtii yeroo dirree qorannoorraa akkan adda baaseetti, Oromoon Arsii *‘Duuni dhaloota; Namni gaafa dhalatu du’e; Duuti mana ofiiti’* jechuun duuti marsaa jireenya dhala namaa keessatti kan hinhafne ta’uu ibsani *(Yaadannoo Dirreerraa)*. Oromoon namni dhalate tokko osoo du’a hindhandhamin kan hinhafne ta’uu ibsuuf, jechamoota kanneenitti fayyadamuun du’aafi dhaloota walbira qabuun ibsa. Marsaa jireenyaa dhala namaa keessatti nama tokko dhalachuunsaa akkuma beekame du’uunsaas beekama. Namni tokko erga dhalatee dirqamatti wanti inni irraa ooluu hindandeenye du’a. Kanaaf, Oromoon duuti mana ofiin jechuun ibsa.

Ragaan dirree qorannoorra argame akka ibsutti, hubannaa isaa keessatti Oromoon namni tokko yoo du’e *‘bakka dhugaa dhaqe/xe’* jedha. Akka ilaalcha Oromootti, lafti bakka rakkoofi cubbuun adda addaa jiru jedhamuun namni gaafa addunyaa kanarraa du’aan boqate *‘nutu bakka dharaa jira malee inni/isheen bakka dhugaati jira/jirti’* jedhamuun ibsama. Dabalees, nama du’e tokko nama jiruun walbira qabuun ykn walitti akeekuun hinhaasa’ani; ni hoodatani. Fakkeenyaaf, waan namni du’e tokko yoo jiru namaan jedhe kaasanii haasa’uuf, ‘*amma hinjedhinii ykn amma naan hinjedhinii ebelu akkana jedhee ture’* jechuun haasa’u.

Akkasumas, aanaalee iddattoo qorannichaa ta’an sadanitti abboonniifi haawwanni akka ibsanitti, Oromoon du’a umrii nama du’eerratti hundaa’uun akkatti ibsu ykn hooda ittiin ibsu qaba. Fakkeenyaaf, yoo daa’imni reefu dhalatte duute *‘daa’imatu deebi’e’* jedha. Akkasumas, du’a daa’imaa ni hoodatu; baay’ee hindubbatani. Darbees, hanga gad baasanii awwaaluu dhiisuutiin

manumatti awwaaluu fa'atu jira. Yoo kan du'e ijoollee, dargaggeessaafi shammarran ta'an 'gurbaa/intala bade/dde san jechuun ibsa. Ijoon bade/dde jedhu akka Oromootti, namni du'e tokko du'a yeroo malee kan du'e ta'uu agarsiisuufi. Namoonni du'a akkanaa du'an waan namni addunyaarra jiraatee raaw'achuu qabu osoon raaw'atin kan du'an ta'uu ibsa. Namni immoo hamma addunyaarra jiraachuu qabu jiraatee du'e ni gale ykn Rabbitu ofitti aanse jedhama.

Akka hawaasa kamittuu du'aan walqabatee namni tokko guyyaa, ji'aafi bara kana du'a jedhee wanti beekamu hinjiru. Kanarraa ka'uun abboonniifi haawwonni akka ibsanitti, hawaasni muuxannoofi beekumsa qaburraa ka'ee raaw'ilee naannoosaatti ta'an tokko tokko akka namni du'u kan raagan ta'uu ibsa. Akka ilaalcha hawaasaatti namni tokko naannoosaatti gidduu kana namni du'uu danda'a jedhee kan shakku: yoo saroonni boo'an, halkanis haa ta'uu guyyaa jajjuun manarra teessee yoo iyyite. Akka odeefkennitoonni ibsanitti, jajjuun halka manarra teessee yoo iyyitu, iyya isheerratti hundaa'uun hawaasni namni du'u nama umrii kam keessa ta'uu akka danda'u ni tilmaama. Fakkeenyaaf akka ibsa namootaatti, sagalee jajjuu kan *'kukuu, kuk'* jedhu fudhachuun akka jajjuun yeroo tokko tokkoo *'kichuu kuti'* jette wayiitti hiikkatu. Yeroo kaanimmoo akka waan *'gototti'* jetteetti ibsuun, yoo *'gottotti'* jette jedhan nama guddaatu du'a jechuun ibsu. Yoo akka *'kichuu kuti'* jedhuutti fudhatan immoo daa'ima/nama umriin xiqqaatu du'a jedhanii fudhatu.

Akka ibsa odeefkennitootaatti, yoo saroonni boochus ta'ee, jajjuun iyyitu namoonni sagalee dhagahan sun namni kan du'u ta'uma tilmaamu malee, namni du'u sun fira ta'uufi dhiisuu hinbeekamu. Akka namoonni jedhanitti kana beekuuf kan oolu abjuu namni arguudha. Obbo Jamaal Aanaa Heexosaa, Onkoloolessa, 2015 akka ibsanitti, akka ilaalcha hawaasaatti, namoonni yoo abjuu akka firri isaan jalaa du'u ibsu argan—fakkeenyaaf, *abjuun ilkaan buqqifatan, foon argan, soogiddaa bitan fa'a* firri na jalaa du'uu danda'a jedhanii tilmaamu. Abjuun ilkaan buqqifachuu, foon arguun kan firri nama jalaa du'u ta'uu ibsurratti fira fagoofi dhihoo ta'uu akkitti tilmaamanis jira. Fakkeenyaaf, ilkaan keessaa ilkaan gara duubaa yoo ta'e, fira fagoodha jedhama. Yoo kan gara fuulduraa as siqu ta'e fira dhihoo akka ta'etti amanu. Akkasuma yoo abjuun foon kan argan ta'e, foon argan sun foon cinaachaa, tiruufi kkf ta'uurratti firri ni du'a jedhanii tilmaaman fira fagoofi dhihoo ta'uu adda baasu. Akkasumas, foon argan sun foon

bilchaataafi dheedhii ta'uurratti umriin nama du'uu danda'a jedhanii shakkanii ijoolleefi nama umriin turaa ta'uu adda baafatu.

Du'arratti marartee namoonni walii qabaniin walqabatee wanti jedhamu jira. Kunis, duuti nama tokkoo nama miidhuufi nama hinmiine ykn nama du'a nama du'eetiin gammada jedhurratti hundaa'uun *'duuti ebeluu nama kaaniif hiririidha, nama kaaniif ililiidha'* jedhama (Obbo Muhaammad Gammachuu, Aanaa Diksiis). Hawaasni duudhaasaa keessatti duuni nama tokkoo garee namootaa miidhuufi hinmiine jedhaman bu'ureeffachuun jecha kana fayyadama. Kan jechuun, namni tokko yoo du'u, du'a nama kanaatiin gareen qaamaanis ta'ee yaadan miidhamu jira. Duuni kan nama hingammachiifnellee ta'u, akka ilaalcha hawaasaatti, gareen du'a nama tokkootiin gammadus jira jedhameeti yaadama. Yaadamus garuu hawaasni ilaalchi akkanaa sirrii akka hintaane yoo ibsu: *'duutuutu du'a namaa gammada'* jechuun ibsa.

Akkasumas, duuti akka bakka, haalaafi rakkoo wayirraa itti hobbaafataniitti haallitti ilaalamu jira. Kunis, hawaasni namni tokko akka nama lafarratti bu'aa hinbuusneetti kan ilaalamu yoo ta'e, waan jedhee ibsu qaba. Kanaaf kan fakkeenya ta'u yaadni yoo Aanaa Diksiisitti odeef-kennitoota waliin mariin taasifamu bifa jechamaatiin argame kan ittaanu kana.

*Kana kana biraa biyyeen hagabuu bulti*
*Gowwaan ormaa kolfaan tola, kan ofii du'aan tola* jechuun ibsu.

Jechama tokkoffaarratti *'kana kana biraa biyyeen hagabuu bulti'* jechuun namni jalqabuma gaafa uumamu gara biyyee deemee dhihana biyyee akka ta'etu ibsame. Kanarraa ka'uun namni tokko lafarratti waan gaarii hojjechaa hinjiru, nama kanaa jirurraa du'a wayyaaf jedhamee yoo yaadameefi namni kun du'a namarraa hinoolleef haala kanaan maaf lafarra taa'a? yaada jedhu mul'isuuf jechama kanaan ibsama. Mammaaksa lammaffaa '*Gowwaan ormaa kolfaan tola, kan ofii du'aan tola'* jedhurratti duuti akka bakka waan badaa jalaa itti baqataniifi waan badaa itti hobbaafataniitti fudhatamte. Namni tokko, keessaayyuu, namni keenya jedhan tokko haalaafi amala badaa kan qabu, kan aarsu yoo ta'e haala kanaan ibsani.

### 5.3.2. Boochisa/Hoolamanshoo Du'a Dhiiraafi Dubartii

Jechi Hoolamnashoo jedhu akka odeeffannoo dirree qorannootii argameetti, boochisa yoo namni du'e jabduu namni yoo lubbuun jiru hojjeta mul'isuuf taasifamuudha. Hoolamanshoo jechuun boo'arratti maqaa gaarii namni dhiiraa tokko jireenyaan qabu—gootummaa inni qabu kaasanii

nama du’e sanaaf boochisuu jechuudha. Akka aadaa Arsiitti, namni jabaan (dhiirri) tokko yoo du’e guyyaa awwaalasaa boochistuu yaamanii jabduu namni kun raaw’ate faarsaa, oolmaa namni kun biyyaaf ooleefi gootummaa isaa kaasaa akka namoonni boo’aniif taasisu. Gaafa namni jabaan du’u fardi sangaan fe’amee waraanaafi gaachana waliin bahuun kabaja nama kanaa, namni kun yaabbataa fardaa, ajjeessaafi kkf ta’uu agarsiisu. Waan akkanaa raaw’achuun du’a dhiiraafi dubartiirratti addaa addummaa qaba. Yeroo dubartiin duute farda sangaa fe’anii waraanaafi gaachana waliin hinbaasani; goota jedhaniis hoolamanshoon hinfaarsani.

Ragaan aanaalee iddattoo qorannichaa ta’anitti sirna boo’ichaa daaw’achuun argame akka mul’isutti, akka aadaa Arsiitti namni tokko—dhiiraas ta’ee dubartii yoo du’e/te dhiira malee dubartoonni awwaala hindhaqani. Sababni dubartoonni bakka awwaala dhaquurraa dhoorkamaniif yaadni afgaafiin argame kan ittaanu kana.

> *Dubartiin ilaalcha dubartiin golatti jedhamuuf manatti bootti. Kan biraa wanti dubartoonni bakka awwaalaa akka hindhaqne dhoorkamaniif, dubartoonni uumamaan hanfal/gara-laafeyyii waan ta’aniif, bakka awwaalaa yoo dhaqan rifachuun miidhamuu danda’u. Kan biraa, dubartoonni gara-laafeyyii waan ta’aniif bakka awwaalaatti baay’ee boohanii warri namnirraa du’e akka hinsabbarre (akkan dhiisne) gochuu danda’u*. (AFG: H/Huseen Tololaa, Aanaa Heexosaa, Bitootessaa, 2015)

Dubartoonni awwaala dhaquurraa dhoorkamuu, amantiin Islaamaa dhiiraafi dubartiin bakka tokko akka waliin hintaane waan jedhuuf, namoonni bu’ura amantiis qaba jedhu. Kana cimsuuf ragaaleen karaa daaw’annaa argaman kan mirkaneessan, akkuma seera amantaatti dubartoonni dhimmoota karraan alaafi bakka dhiirronni itti baay’atannitti akka argaman baay’ee hinhayyamamu. Gama kaaniin immoo gara-laafummaa dubartiirrattiifi kan aadaa keessatti dubartiin golatti malee alatti miti—gaheen hojii dubartii mana ta’uu qaba jedhamurraa ka’uun akka ta’e ibsama. Dubartoonni bakka awwaalaatti gara-laafummaarraa kan ka’e akka malee boo’uun warra namnirraa du’e obsa dhoowwachuu waan danda’aniif, bakka awwaalaa akka dhaqne dhoorkamani. Yaadni dubartoonni gara-laafoodha jedhu qalbiidhaanis/xiinsammuunis walqabachuun dubartoonni bakka awwaalaa yoo dhaqan waan bakka awwaalaatti arganirraa ka’uun rifatanii qaamaan miidhamuu danda’u jedhamuun bakka awwaalaarraa dhoorkamani. Dubbiin gara-laafummaa akka mammaaksa ittaanurraa hubatamu laafina qaamaatiinis walqabata. *“Dubartiin shaniin dullacha hinkaaftu, shaniin nama hinawwaaltu, nuun jedhani”* (Daanyuu Rabboo, Aanaa Heexosaa, Waxabajjii, 2013). Aadaa keessatti hojii humnaa—yoo namni du’e

bool’a qotuufi kkf kan hojjetu dhiira waan ta’eef, dubartiin namni yoo du’e bool’a qotuun awwaaluuf humna hinqabdu, hindandeessu jedhamee amanama.

#### 5.3.3. Boo’ichaan Ergaa Dabarfachuu

Boo’ichaan ergaa dabarfachuurratti akka aadaafi duudhaa Arsiitti, namni firri irraa du’e tokko—keessaayyuu, dubartiin boo’ichaan ergaa akka dabarfattu godhama. Yeroo kaanimmoo ishumti mataanshee ergaa garaa qabdu dabarfachuu yoo barbaade teessoo naaf baasaa jettee boo’uu dandeessi. Ykn immoo gosuma namni irraa du’e san keessaa namni boo’ichaan akka ergaa dabarfatuuf barbaadamu yoo jiraate, akka boo’aniif teessoo gadi baasuufi. Kanumaan Dubartii dhirsi, abbaan, obbooleessi irraa du’e takka akka isheen ergaa dabarfatuuf boo’i jedhamti ykn isheenuu ergaa/quuqaa garaa qabdu boo’ichaan baasuuf, nan boo’a jechuu dandeessi. Kanarratti akka abboonniifi haawwonni ibsanitti, dhiirri haati warraa jalaa duute tokko akka boo’ichaan ergaa dabarfatu hinbarbaadamu. Ni dabarfatallee yoo ta’ee ergaan isaa haalatti haadha warraa biraa argatuudha. Kanaan walqabatee akka hirmaattonni qorannichaa, yeroo afgaafiifi marii garee xiyyeeffannoo kaasanitti haala armaan gadiitti ibsame kana fakkaata.

**Kan abbaan warraa irraa du’e:** haati warraa abbaan warraa irraa du’e takka boo’ichaan ergaalee garagaraa dabarfachuuf ni boossi; booyis jedhamti. Dubartiin abbaan warraa irraa du’e takka erga abbaan warraa irraa du’ee ni dhaalamti waan ta’eef, yoo nama ishee dhaalu kan hinfeene ta’e gaafa boo’ichaa ergaa dabarfatuun ibsachuu dandeessi. Kanaan walqabatee walaloon boo’ichaa haadholiin warraa gaafa abbootiin warraa isaanii irraa du’an dhimmoota adda addaatiin walqabsiisanii boo’an jedhamu armaan gaditti dhihaataniiru. Kunis: walaloo boo’ichaa dubartiin waa’ee nama ishee dhaaluurratti ergaa dabarfachuuf fayyadamteefi namni ishee dhaaluus yaada isheetiif walaloon deebii kenne; walaloo boo’ichaa haati warraa gootummaa abbaa warraa himuuf fayyadamte; walaloo boo’ichaa haati warraa abbaa ishee ajjeeste ajjeesuu ishee dhugaa ittiin baaste, walaloo boo’ichaa gosni nama du’ee durhinjirree haati warraa namicha du’ee uumtee ibsuuf jedhaniifi walaloo boo’ichaa haati warraa gosa namichaatiif deebii deebisuuf fayyadamteedha jedhamu afgaafiifi marii garee xiyyeeffannoon argaman kan armaan gaditti duraa duubaan dhihaatan kanneeni.

1. Walaloo boo’ichaa dubartiin boo’a abbaa warraa isheerratti nama ishee dhaaluuf ergaa ittiin dabarsiteefi innis deebii ittiin deebiseef jedhamu:

***a.* Dubartii abbaan warraarraa du'e:**
*Dhalaan fardaa afurii boora reeffichaan shanii*
*Ilmaan haadhaa afurii reeffa nu dhaaluun shanii*
*Gumaan teellee hinbaatu*
*Gumeen niitii tee hintaatu*

**b. Namichi dhaalu immoo yoo deebii deebisuuf:**
*Ilmaan haadhaa afuriin dhugaa*
*Reeffa si dhaaluun shaniin dhugaa*
*Gumaan tee hinbaatuun sobaa*
*Gumeen niitii tee hintaatun dhugaa* (MGX: Aanaa Heexosaa)

**2.** Walaloo boo'ichaa haati warraa gootummaa abbaa warraa himuuf fayyadamte jedhamu:

*Gabayaa naa dhagayaa*
*Kan duraa naa dhaabadhu*
*Kan boodaa naa saabadhu*
*Waa hinbituu waa hingurguruu*
*Booyaaf gabaa bayee*
*Leenca kasaan bubu'ee*
*Nama laayyoo mitii*
*Laceeboo Saddeetootu narraa du'ee* (AFG: Dammoo Galatoo, Aanaa Heexosaa, Waxabajjii, 2013)

***3.*** Walaloo boo'ichaa haati warraa abbaa warraa ishee ajjeeste ajjeesuu ishee dhugaa ittiin baaste:

*Boruu Boruu*
*Abbaa gaangee daamaa lammiin tee jaamaa*
*Abbaa loowwan gugurraa lammiin tee hurraa*
*Kalee galgalaa dhufee iddoo rafu gaafatee*
*Digimtiin nu qabeet durriiyyee nutti naqee* (MGX: Aanaa Muunessaa, Sadaasa 2014)

***4.*** Walaloo boo'ichaa gosni nama du'ee durhinjirree haati warraa namicha du'ee uumtee ibsuufi haati warraa gosa namichaatiif deebiif deebisuuf fayyadaman:

**a. Walaloo boo'ichaa gosa namicha du'ee:**
*Faana bayee faana bayee*
*Niitiin ergaa dhaquun faana bahee*
*Cawwaan bool'a qotuun faana bahe*
*Kaayaaf raada qaluun faana bahe*

**b. Walaloo boo'ichaa haadha warraa namicha du'ee:**
*Niitiin ergaa dhaquun ko'ummaa*
*Cawwaan bool'a qotuun ogummaa*
*Raada kaayaa qaluun harka jijjiirraa*
*Wanti du'een afa-micciirraa* (AFG: Xuubaa Kaayoo, Aanaa Diksiis, Caamsaa, 2014)

Walaloo boo'ichaa tokkoffaarraa (1) yoo kaanu, dubartiin abbaan warraarraa du'e tun waa'ee nama ishee dhaaluu ni beekti. Kanarraa ka'uun isaan dhaalamuu akka hinfeene/hinbarbaanne boo'ichaan ergaa dabarfatte. Kanaan alas ergaan boo'ichaa ishee duuti abbaan warraa ishee uumamaa osoo hintaane, harka namaatiin ta'uu mirkaneesse. Akka duudhaatti nama harka namaatti du'e tokko lammii jabaatu gumaasaa baafata. Kanaaf, dubartiin tun lammiin abbaa warraa ishee akkuma isheen nama ishee dhaaluuf mirga qabu reeffaan fakkeesitee isa tuffachuun dhaala isaa didde, lammiin tun gumaasaa akka hinbaasne shakkii qabdu ibsite. Dubartiin tun lammii abbaa warraashee nama dhaabbataan du'etti fakkeessuun akkasaan gumaa nama isaanii baasuuf ga'umsa hinqabneefi ishees dhaaluu hindandeenye walaloo boo'ichaatiin eerte.

Obboleessi namicha du'ee kan haadha warraa obboleessa isaa du'ee dhaaluuf aangoo qabus yaada isheen kaasterraa ka'uun waan ta'uufi ta'uu hinqabnerratti yaadasaa ibsate. Innis, akka gosaatti gumaa obboleessa keenyaa ni baasna; gama dhaalaatiin immoo homa fedhes ta'u erga ati hinfeenee si dhaaluu hinbarbaadu ergaa jedhu dabarse. Ergaa walaloo jara lamaanirraayyuu wanti ifu, walaloon boo'ichaa ergaafi quuqaa namoonni—keessaayyuu, dubartoonni haasaa idileetiin ibsachuu hindadeenye dabarsuufii akka danda'uudha. Akka duudhaa Oromoo Arsiitti dubartiin alattis ta'ee manatti akkuma barbaadde dubbatee yaada ishee baafachuun adaba/safuu qaba. Kanaaf, dubartiin takka yaada garaa qabdu baafachuun akkuma walaloo boo'ichaatiin ta'e kan iddoo ta'e wayiirratti ogafaan fayyadamuu qabdi.

Walaloo boo'ichaa lammataarratti (2) dubartiin abbaan warraarraa du'e tun walaloo boo'ichaatiin abbaan warraashee nama jabaa akka ta'e ibsite; akkasumas, boo'a isaa gabaan marti akka bartu goote. Akka namni yaada naaf kennan kun ibsanitti, dubartii abbaan warraa jabaan irraa du'ee boochu takka yoo abbaan warraashee goota ta'e, isheenis nama aadaa beektuufi cimtuu taate farda yaabbatee, gogaa leencaa uffattee, eboofi wantee qabattee gabaa baate boochi. Wanti dubartiin tun gootes kanuma. Isheenis abbaan warraashee har'a guyyaan fiddee lubbuun darbus gaafa lubbuun jiru goota ta'uusaa *'Leenca kasaan bubu'ee'* jechuun abbaan warraa ishee dur jabaa akka leencaa ta'uusaa ibsite. Abbaan warraashee namni du'e jedhaniituma kan bira darban osoo hintaane, nama mararaa namni hundi gadduufii qabu akka ta'e agarsiiste. Namittiin tun haala kanaan gabaatti baatee boo'uun jabina namicha du'ee qofa

osoo hintaane, kan ishees ibsa. Dubartiin abbaan warraa yoo irraa du'u haala kanaan boochu jabduu jedhamti.

Akkuma jedhame, dubartiin yoo abbaan warraa irraa du'ees taatee namni boo'icha nama tokkoorratti boo'ichaan ergaa akka dabarfatu barbaadame ergaalee adda addaa dabarsuu danda'a. Kanas yaada marii gareen argame boo'icha haati warraa abbaan warraa irraa du'ee booche jedhamu kan armaan olitti lakkoofsa sadirra jirus kanuma ibsa. Walaloo boo'ichaa sadaffaarratti dubartii abbaa warraashee ofumaa ajjeesiftee akka boochuuf barcumaa gadi baasaniifii booy'ichaan dhugaa baastetu ibsame. Dubartiin abbaan warraa irraa du'ee akka boochu taasifamte tun haala abbaan warraa ishee itti du'e, nama ajjeesse ifa baaste. Sababni isheen boo'i jedhamteefis akka aadaatti namni karaa boo'ichaa ergaa dhoksaa dabarfata waan ta'eef, gosti namicha du'ee du'a ilmasaaniirratti shakkii waan qabaniif, tarii gama isheetiin agarsiistuu wayii yoo arganne jedhaniiti. Kanarratti niitiin tun gosti namicha du'ee jabina kan hinqabne ta'uu, waa hubachuu kan hindandeenye ta'uu, namni nama isaanii ajjeese ishuma ta'ee osoo jiruu isaan immoo kana kan hinhubanne ta'uu ibsite.

Dabalees, akka odeef-kennituun (walaloo boo'ichaa 4[ffaa]) waan hawaasa keessatti beekamu bifa seenessootiin kaasanii ibsanitti, abbaa warraa niitiisaa waliin gosasaa dhiisee akka jabinaatti ummatti/bosonatti godaaneetu jira. Namicha kana achitti namni isa ajjeessee, haati warraasaa ko'oomtee nama booya himu dhabnaan kan silaa akka aadaatti dubartiin (haati warraa) boo'a himuu hinqabne ofumaa deemtee himte; kan silaa cawwaan (tumtuu) bol'a namaa qotuu hinqabne bool'a qotte; kan silaa kaayaaf kormi qalamuu qabu raaddi qalamte. Kanarraa ka'uun gosni namichaa wanti akka aadaatti sirrii hintaane uumame jechuun akkuma walaloo 4a jala jirurraa ifutti boo'ichaan ibsatani.

Walaloo boo'ichaa bifa seenessootiin dhihaate (walaloo boo'ichaa 4[ffaa]) keessatti qabxiin xiyyeeffatamuu barbaadame aadaa ummataati. Du'a namicha kanaarratti *'faana baye'* jechuun dur-hinjirreetu dhalate, waan ta'uun himalle, aadaa keessa hinjirretu ta'e jedhanii gosni namichaa ergaa qaban dabarfachuun namni daangaasaa/shee darbee/darbitee waan aadaan hinhayyamne godhe/goote kan jedhu mul'isuufi. Akka duudhaa hawaasaatti dhirsi du'ee niitiin boo'a himuun, namni (Oromoon) du'ee cawwaan/tumtuun bol'a qotuun, kaaya dhiiraa baasuuf raada qaluun

safuudha. Durhinjirreen dhufte/faanatu bahe waan nama jechisiisuudha. Akka duudhaatti, du’a ykn kaaya dhiiraatiif raada/sa’a osoo hintaane, qotiyyoo/sangaa jabaatu qalama.

Akkuma walaloo $4^{ffaa}$ a fi b irratti ibsaman irraa mul’atu, hawaasni safuun yoo cabe cal’isee waan bira darbuu miti. Kunis, safuu cabse kana hawaasni—gosni namichaa guyyuma du’aa kana osoo namichi hinawwaalamin akka aadaa isaanitti teessoo gadi nuuf baasaa jechuun akkuma walaloo $4^{ffaa}$a irraa mul’atuun ergaa qaban ibsatani. Akkasuma niitiinis haaluma walaloo boo’ichaa $4^{ffaa}$b irraa ifuun deebii kennite jedhama. Akka ibsa odeef-kennitootaatti, aadaa Arsii keessatti, keessaayyuu, bara amma duraa namni dhiiraa yoo du’e kaayaasaatiif kormatu/sangaatu qalama; dubartiin/haati warraa yoo duute immoo sa’a mataa loonii ta’etu qalama. Raadni kan qalamtu yoo ijoolleen dubaraa duuteedha. Akka seenessichaan ibsametti, namicha abbaa warraa ta’e kanaaf raada qaluun egaa akka ijaarsa aadaa hawaasaatti kabajasaa xiqqeessuudha; gosasaallee kan qaanessu ta’uu mala.

Ragaan ittaanu afgaafiin argame akka mul’isutti, aadaa Arsii keessatti, keessaayyuu, yeroo amma duraa (Boqonnaa saddeet ilaali) dubartii abbaan warraarraa du’e takka yoo boo’uu kan hinbeekne ta’e ni ceepha’amti.

> *Dubartii abbaan warraarraa du’e takka yoo isheen kan boo’ichaan ergaa dabarfatuu hindandeenye taate akka hiriyyooni ishee waa jedhan godhu. Wanti isaan jedhanis: ‘Silaa wanti siif jedhan guutee beera tee afaan duudee’ jedhuuni. Akkasumas, yoo isheen nama aadaa hinbeekne taatee booy’i jedhamtee waan silaa jedhamuu hinmalle jettee kan boossu ta’e, kaasaa tana ‘buukkoo gaafa fuuni bade boonyi bade’ jedhaniini* (AFG: Dammoo Galatoo, Aanaa Heexosaa, Waxabajjii, 2013).

Haati warraa yeroo inni lubbuun jiru abbaa warraatiif haaluma ajajamaa turteen, yoo inni du’es akkuma kutaa 5.3.6 jalatti ibsame du’a isaatiif iddoo guddaa kennuun gadduu qabdi. Karaa gaddi ishee ittiin mul’atuufi isa kajabuun ishee ittiin beekamu keessaa tokko gaafa inni du’e seenaasaa kaastee boo’uufiidhaani. Haadha warraa dhirsi irraa du’ee yoo boo’uu baatte ykn yoo boo’ichumaallee wallaalte, akkuma ishee cimtuun abbaan warraa ishee du’ee yoo booche jajamtu, faallaa kanaatiin isheen tun ni ceepha’amti, ni tuffatamti. Kanaaf, yoon ishee aadaa wallaaluun nama boo’icha hinbeekne taate, ishee qaanessuuf, kanneen biroos akkarraa barataniif, hiriyyoonni ishee akka boo’an godhu. Dhiirri tokko haadha warraa jabduu qabaachuunsaa kan beekamuufi haadhaa warraa jabduu filatanii fuudhuun kan barbaachisu ta’uun (5.2.2 ilaali) kan

beekamu raaw'ii/gocha haati warraa guyyaa du'a abbaa warraa ishee taasisturraayi jechuudha. Haati warraa yoo abbaan warraa du'e haalli kun kan irraa eegamus ta'u, haati warraa yoo duute gama abbaa warraatiin wanti eegamu akkuma mata-duree ittaanurraa mul'atu, hanga kan haadha warraa hingahu.

**Kan haati warraa jalaa duute:** odeef-kennitoonni akka ibsanitti, abbaan warraa haati warraa jalaa duutes hanga kan haadha warraa hingahu ta'a malee, inuma booya. Yaada yeroo marii garee xiyyeeffannoo ka'een akka ibsametti, abbaan warraa haati warraa jalaa duute yoo boo'uu baates baay'ee irra hinlaalamu. Garuu yoo kan boo'us ta'e, akkuma waraqaa kana kutuma sirna boo'ichaa mata-duree eebba du'arratti haati warraafi abbaan warraa eebbifaman jalatti ka'e, booyichi isaa irraa caalaan waa'ee haadha warraa jalaa duutee osoon ta'in, haadha warraa biraa Meembetoon (5.2.1. d. ilaali) fuudhu argachuusaa mirkaneessuudha. Innis yoo warrishee ykn warri haadha warraasaa boo'a intala isaanii dhufan mararteen boo'uun akka warrishee intala biraa kennaniif garaa naasifachuuf ta'uu mala.

**Kan abbaan jalaa du'e:** yoo abbaan du'e, keessayyuu yoo dhimmi addaa jiraate—fakkeenyaaf, yoo namichi ilma dhiiraa kan hinqabne ta'e gosa namichaa keessaa ykn ijoollumti durbaa namicha du'ee boo'ichaan akka ergaa dabarfatan taasisamu. Yaada ykn ragaa afgaafiin argame bifa seenessootiin asii gaditti dhihaate kana haa ilaallu mee!

> *Dur maatii ykn abbaa tokkotu ijoollee dubaraa sadi qaba ture. Maatiin kun ijoollee tana kunuunsee guddisee gaafa kaan ijoolleen tun sadanuu heerumani. Maatiin kun ilma hinqaban ture. Erga ijoolleen dubaraa heerumtee booda guyyaan gahee abbaan isaanii du'a. Abbaan du'ee dhageenyaan ijoolleen tunneen boo'a dhufani. Erga dhufanii booda qa'ee yoo ilaalanii yeroo eebbaa ykn yoo namni namicha du'een walqabsiisanii eebbisan nama ameen jedhu dhaban. Akka aadaatti yoo abbaan du'e ilma araddaarratti hafutu ameen jedha waan ta'eef, nama kana jedhu dhabani. Ijoollee tanneen keessaa intalli hangafaa olis gadis jettee homaa waan itti tolu dhabde teessoo gannaabaasaa jettee teessee boosse. Wanti jettee boosses abbaa maqaan Hamdaadha:*
>
> *Hamdaa abbaa durba sadiinii*
> *Adaa durbi sariinii*
> *Durbi ati boonsite*
> *Waa du'a si oolchitee*
> *Qa'ee teellee ni goomsitee*
> *Duutullee duuti hinhaftuu*
> *Qa'een tee homaa hinqabduu' jechuun boosse jedhama. (*MGX: Aanaa Heexosaa, waxabajjii 2013)

Ilaalchi akkanaa kun ijaarsuma caasaa hawaasaati. Akka aadaafi duudhaa Oromoo Arsiitti, dubarri qa'ee warrashee hindhaalle, yoo warri du'e ameen akka hinjenne, awwaalchaan booda kan namoota hingalateeffanne, warrasheef soodduu kan hindhaabneef, waanuma hawaasni ijaare malee kennaa Rabbii miti. Boo'icha ilmaan dubaraa nama kanarraa wanti hubatamu, maatiin ilmoo dhiiraa hinqabne kan dubara qofa dhale nama qa'eesaa dhaalu dhabe du'a lama du'e jechuudha. Akka tumaa hawaasaatti, durbi ati boonsite, waa du'a si oolchitee, qa'ee teellee ni goomsitee' jechuun du'a lubbuu qofa osoo hintaane, sababa namichi kun ilmoo durbaa qofa qabaateef namni qa'eesaa dhaalu dhabamuun, qa'een goomuun: onuun, faayida-maleessa taasisuun kun nama kanaaf du'a biraa ta'uu agarsiisa. Asirratti, dubartiinis ilaalcha hawaasaa kana kan ofii taasifattee ofii isheef warrashee kan hinfayyadne ta'uu ofirratti murteessite. Kun kan agarsiisu, dubartiin waan hawaasni jedhu kanimmoo dhiibbaa isheerratti qabu amiin jettee kan fudhatte ta'uudha.

### 5.3.4. Booyaan Galachuu

Ilaalchi intalli warra ishee dhalche osoo hintaane, warra ishee fuudherraa seera qabdi jedhu yeroo isheen lubbuun jirtu qofa osoo hintaane, yeroo isheen lubbuun dabartellee ni hojjeta. Akka duudhaa Oromoo Arsiitti, dubartii jirtuu mitii duutuunsheetuu kan gosa itti heerumte sanaati jedhama. Intala boonyi ishees kan warra irraa dhalattee osoo hintaane, kan warra itti heerumteeti. "*Intalli takka warra jalqaba Rakoon ishee fuudheerraa deemtee bakka biraa yoo heerumte, yoo isheen duute hanfalaan ishee warra duraatiif gala"* (MGX: Aanaa Heexosaa Muuneessa Adoolessa, 2013 fi Aanaa Muunessa, Sadaasa, 2014)

Seera intalli kan warra itti heerumtuutti jedhu keessatti, intalli takka warra isheetti yoo duute warri gurbaa yoo reeffallee fudhatee kan hinawwaallanne ta'e, boonyi ishee kan warra isheen irraa dhalattee ta'uu dhabuurraa kan ka'e, warri gurbaa booyaan galatu. Adeemsi warri gurbaa booyaan galatan kun *'Booyaan Galachuu'* jedhama. Booyaan galachuu jechuun intalli takka akkuma carraa warrarraa dhalatte dhaqxee achitti yoo miidhamte, gaddi ishee kan gosa itti heerumteeti ta'a. Kanaaf, intalli takka warra ishee dhaqxee achitti yoo duute warri gurbaa sababoota tokko tokko—fageenya lafaafi kkf irraa ka'uun yoo reeffallee fudhatanii kan hinawwaallanne ta'e, gadda intala duutee qa'ee warra isheerraa fudhatanii galu.

Akkuma kutaa sirna gaa'elaa jalatti ibsame, hanfalaa kan godhatu dubartii heerumteedha. Kan godhattus gaafa heerumaan warra ishee dhiistee warra itti heerumte dhaqxeedha. Kanaaf, hanfalaan akka meeshaa safuu warra dhirsaa intala fuudhanirra jiruutti lakkaa'ama. Intalli heerumte takka akka tasaa warra ishee dhaqxee achitti yoo waa taate, hanfalaan warra soddaa warra isheetti hafuu hinqabu jedhamee amanama. Intalli tun gaafa warrashee dhaqxu kana hanfalaa ofirraa qabaachuus dhabuus dandeessi. Garuu akkuma duudhaatti, intala heerumaan warra tokko jirtu, hanfalaa warra itti heerumteetu irra jira jedhamuun amanama. Kanarraa ka'uun, warri ishee intalli hanfalaa ormaa qabdu teenya miti kan warra ishee fuudhee Rakoon ishee warroomfateeti jedhu. Warri ishee fuudhes intalli hanfalaa keenya qabdu teenya nutu awwaalata nuuf galchaa jedhu. Kanaaf, akkuma intalli kan gosa itti heerumtuuti jedhamu, gaafa lubbuun dabartes isaanumti reeffa ishee fudhatanii awwaallatu.

Hanfalaa meeshaa safuu warra dhirsaa intala takkarra jiruudha. Kanarra ka'uun intalli takka sababa hanfalaa warra dhirsaa isheerra jiruu warra dhirsaafi dhirsaan walqabatee mirga isheellee haa ta'uu waan yaadde tokko dubbachuun safuudha. Dubartii waa dubbachuuf seerris duudhaanis baay'ee hinhayyamuufi. Kan ibsuuf wanti hawaasa keessatti jedhamu jechamni yeroo dirree qorannoo turame hawaasa keessaa argame kan: *'Hanfalaan mudhii naqabee seerri afaan naqabee'* jedhuudha. Jechama kana keessatti, dubartiin seerri hanfalaafi seerri duudhaa akkan ani mirga kiyyaaf hindubbanne na dhoorke ergaa jedhu dabarfachuufi. Akka duudhaa Arsiitti, intalli takka erga seeraan warra tokkootti warroomtee booda osuma warra sanarraa kan deemtullee ta'ee, isheen seeraan kanuma warra ganama itti warroomtee sana taati. Obbo Dammoo Boonsoo, Aanaa Muunessaa, Onkoloolessa, 2015 akka ibsanitti, intala mitii ijoolleen isheen bakka biraa heerumtee deesseellee kan warra Rakoon dura ishee fuudhee san taati. Kanarraa ka'uun intalli takka akka carraa warra ganama itti heerumterraa baatee bakka biraa yoo jiraatte gaafa isheen lubbuun miidhamte warri isheen ganama itti warroomte sun Hanfalaa keenyaa nuuf galchaa jechuun mormatu jechuudha. Kun seerri Hanfalaa jiruunii mitii du'arrattillee kan hojjetu ta'uu agarsiisa. Egaa kanarraa ka'uun kan dubartiin 'Hanfalaan mudhii na qabee, Seerri afaan na qabee' jettee ibsate jechuudha.

#### 5.3.5. Sihaa Jabeessuu Haadha Warraafi Abbaa Warraa

Maatii tokko keessaa yoo haadha warraarraa dhirsi du'u ykn yoo abbaa warraa jalaa niitiin duutu namoonni haalatti sihaa jabeessu jedhanii/eebbisantu jira. Haadha warraa abbaan warraa irraa du'eefi abbaa warraa haati warraa jalaa duute yoo eebbisan:

**Eebbaa haadha warraa abbaan warraarraa du'e**:

*Rabbiin sihaa jabbeessu*
*Maatiisaa waliin si haa bulchu*

**Eebbaa abbaa warraa haati warraa jalaa duute**:

*Rabbiin itillee tee dachaate siif haa diriirsu*
*Mana kee qorre siif haa hoo'isu*
*Balbala kee cufame siif haa banu* (MGX: Aanaa Diksiis, Sadaasa 2014)

Hariiroo haadha warraafi abbaa warraa gidduu jirurratti meeshaadaan 'Itillee jedhamtu wanti kaateef, jalqabuma abbaan warraafi haati warraa wanti walitti dhufaniif, bultii/mana ijaarratanii sanyiin isaanii ykn dhaloonni akka itti fufuf gochuufi. Meeshaadaan haatiifi abbaan warraa walitti dhufuun irratti horanii itti fufiinsa dhaloota haaraa mirkaneessan Itilleedha. Itilleen haati warraafi abbaan warraa waliin irra jiraatan gaafa isaan walitti dhufan/makaman diriirti. Gaafa isaan lamaan keessaa tokko miidhamu gaheen isaan waliin ta'anii dhaloota biraa itti fufsiisuuf qaban dhaabbachuun *'Itilleen isaanii dachaate'* jechuudha. Kanarraa ka'uun namoonni, nama haati/abbaan warraa jalaa du'e/duute; keessaayyuu, abbaa warraa haati warraa jalaa duute akkuma eebba abbaan warraa eebbifamurraa mul'attuutti, *'Itillee tee dachaate Rabbii siif haa diriirsu'* jedhamuun eebbifama. Kana jechuun, akka aadaafi duudhaa Arsiitti, haadha warraa biraa Rabbii siif haa kennu, fuudhi jechuudha.

Haati warraa akka kanaan hineebbifamtu. Haati warraa abbaan warraa irraa du'e akkuma yaada MGX irraa ifu, wanti jedhamtee eebbifamtu '*ati maatumaafi ijoollee abbaa warraa kee waliin buli malee hinheerumi'* jedhanii eebbisu. Isaaf garuu, osuma niitiin duute hinawwaalamin, har'uma akka mannisaa hinqorinne ergaa fuudhi jedhu dabarsuufi. Kanarraa ka'uun akka aadaafi dhuudhaa Oromoo Arsiitti gosni abbaa warraa haati warraa jalaa duutee osuma isheen duute hinawwaalamin *'Itillee teenya dachaate nuuf diriirsaa, balbala keenya cufame nuuf banaa'* jechuun warra intalaa gaafatu. Kanas ragaa afgaafiin argame ittaanurraa haa ilaallu.

> *Itilleen teenya dachaate, balballi keenya cufamee reeffa kana jala nu awwaalaa jedhanii kadhatu; warri intalaas akka aadaafi duudhaatti diduu hindanda'an waan ta'eef, abbaan intalaa maarree itillee tee dachaate siif diriirti, balballi kee cufames siif banama ittan mari'adha tole jedhaani. (AFG:* Leencoo Jiruu, Aanaa Heexosaa, Adoolessa, 2013)

Akka aadaafi dhuudhaa Oromoo Arsiitti, intalli takka bakka heerumtetti yoo duutee akkuma gosoota fuudhaa heerumaa Meembetoo jalatti ibsame, warri/gosni intala duutee intala biraa kennuufi. Akka namoonni ragaa naaf kennan ibsanitti, yeroo tokko tokko inumaayyuu warri intalaa, intala biraa kennuun beekamaa ta'uurraan kan ka'e, intalli isaanii duute yoo booya dhaqan, yeruma kana intala biraa namichaaf fiduun mana namaa kaayanii erga kaaya baasanii booda bariisuma intalli duute awwaalamte ykn guyyaa sadaffaatti namichaa fuusisani.

Akka aadaafi duudhaa Arsii abbaa warraa tokko yoo niitiin jalaa duute warri intala duutee goda intala teenyaa namni biraa seenuu hinqabu yaada jedhurraa yoo obboleettiin intala duutee jiraatte ishuma kennuufi; yoo hinjiraanne immoo gosuma keessaa barbaadanii kennuufi. Yoo warri intalaallee kan callisu ta'e, warri gurbaa osuma intalli duute hinawwaalamin akka duudhaasaaniitti, haaluma ragaa–irraa mul'atu kana *'balballi keenya cufame, jireenyi keenya dukkanaa'e intala duute tana jala nu awwaalaa'* jechuun warri intalaa intala biraa akka kennaniif waadaa galchu. Eebbi namoonni abbaa warraa niitiin jalaa duute eebbisanis kan kanumarraa madde, kan kanuma ibsuudha. Gosni gurbaa haati warraa jalaa duutee *'balballi keenya cufame, jireenyi keenya dukkanaa'e'* jedhanii ibsuun jireenya keessatti haati warraa yoo miidhamte itti fufiinsi jireenya sanaa rakkoo guddaa keessa gala. Akkuma jedhame gahee dubartiin bultii keessatti qabdurraa ka'uun dubartiin du'uun balballi cufamuufi jireenyi dukkanaa'uun fakkeeffama. Haa ta'u malee, akka Obbo Dammoon kaasanitti, yeroo ammaa (Boqonnaa 8, jijjiiramaafi ittfufiinsa jalatti bal'inaan ibsame) haalli kun baay'ee hojjoomaa hinjiru. Baay'ee haa jiraachuu baatu malee akkan yeroo dirree qorannoo turetti namoota haala kanaan bultii ijaarratanirraa hubadhetti, darbee darbee hawaasni inuma dhimma itti baha.

Niitii abbaan warraa irraa du'e immoo akkuma eebba isheerraa hubachuun danda'amu, akka isaa *'itillee tee dachaate Rabbi siif haa diriirsu'* osoo hintaane, *'maatiifi gosasaa waliin Rabbi si haa bulchu'* jechuun eebbisu. Kana jechuun, isheen akkasaa kana bultii biraa baafachuu ykn heerumuu hindandeessu jechuudha. Erga inni du'ee isheen yeroo dheeraa/waggaa tokko gaddarra

turti ykn ni gufufti jedhama. Ittaansee, akkuma gosaasaa waliin sihaa bulchu jedhamte, inni du'ee waggaa tokko booda gosaasaa keessaa nama ishee dhaaluuf aangoo qabuun dhaalamti.

### 5.3.6. Gufufa

Aadaa Arsii keessatti abbaan warraa haati warraa jalaa duuteefi haati warraa abbaan warraa irraa du'e qixa hingaddaan; qixa akka gaddanis hinbarbaadamu. Dubartiin abbaan warraa irraa du'e ofmiidhuun yeroo dheeraa akka gadditu barbaadama. Haalli dubartiin abbaan warraa irraa du'e akka kanaan turtu kun akka aadaa Arsiitti akka ragaa marii garee xiyyeeffannoon argame armaan ittaanu kanarraa mul'atu gochaan kun gufufa jedhama.

> *Dur dubartii takka abbaan warraa yoo irraa du'e hanga waggaa gahutti hindibattu, hindhiqattu, hinfilattu, faaya hingodhattu, itilleen ishee hindiriirtu; dhirsaaf azzanti/gadditi; hingufufti jedhama. Amma baay'ee hinjiru; Sheekkonis ni dhoorku waan ta'eef, ji'a sadi/afur ykn hanga guyyaa afurtamaa qofa gadditi. (AFG: Aayyolee Gannaa, Aanaa Muunessaa, Onkoloollessa, 2015)*

Ragaan dhihaate kanarraa akka mul'atutti, haati warraa gaafa abbaan warraa du'e akka abba warraa haati warraa jala duuteetti, yeruma inni du'e bultii biraa godhatti osoon taate, hanga waggaa tokkoo gochaalee ishee miidhaan/hiraarsan—qulqullummaashee eeggachuu dhiisuu, dibata dibachuu dhiisuu, qeensa murachuu dhiisuu, rifeensaafi fuula ishee faayachuu dhiisuu, lafa rafuuniifi kkf raaw'achuun isaa gadduun gufufti. Gufufuu jechuun dubartiin dhirsi irraa du'e takka sababa abbaan warraa ishee irraa du'eef, akka namaatti jireenya mijaa'aa jiraachuu dhiistee ofmiidhuun turtu jechuudha. Jechi gufufa jedhu kun haadha warraa abbaan irraa du'eef malee gadda namni biraa yoo firri jalaa du'e taasisu hinilaallatu. Sirna Gufufaa keessatti akkuma eebba haadha warraa abbaan warraarraa du'ee keessatti dubartii abbaan warraarraa irraa du'e *'Rabbi itillee tee dachaate siif haa diriirsu'* jedhamtee akka hineebbifamne ibsame, dubartiin dhirsi irraa du'e takka hanga waggaa gahutti bakka abbaa warraa ishee waliin irra rafaa turterra hinraftu. Itilleen ishee dachaateetuma turti. Gaafa waggaa gahu isaaf kaaya erga baastee booda, hanga tokko jireenya idileetti deebiti.

Akka aadaatti dubartiin baay'ee akka gadditu waan barbaadamuuf, isheenis haallicha baay'istee waan fudhattuuf, gaafuma waggaa gahee gadda akka dhiistu ta'uu dubartiin abbaan warraarraa du'e kan hunda gadda hindhiistu. Haala kana ragaa afgaafiin argame kan ittaanu kanaarraa ilaaluun ni danda'ama.

*Niitiin dhirsirraa du'e gaafa waggaa geessee gufufa dhiistu osuma gadda dhiise jettuu gadditi. Garaatti abbaa manaa ishee inuma yaadatti. Akka naannoo keenyaatti kun akka itti ibsamu qaba.*

*'Mataan nu dhadhaa*

*Garaan nu madaa' jette dubartiin dhirsirraa du'e jedhama. (AGF:* Ashoo Tongolaa, Aanaa Heexosaa, Caamsaa, 2015)

Dubartii dhirsirraa du'e erga gadda fixattee waggaa tokko booda dhiqattee, filattee jireenya idilee kan jalqabdus ta'u, keessa isheetti abbaa manaa ishee du'e yaadachuun gadduun ishee hinhafu. Akkuma ragaa *'Mataan nu dhadhaa, garaan nu madaa'* jedhurraa hubachuun danda'amu, dubartii abbaan manaarraa du'e wantoota yeroo abbaa manaaf gaddaa turte raaw'achaa hinturre—dhadhaa dibachuu fa'a yeroo gadda dhiistetti kan raaw'attu ta'us, keessatti waa'ee isaa inuma aaddi jedhama. Isheen jireenya idilee eegaltee itti tolee kan jiraattus ta'u hir'ina sababa du'a abbaa manaa isheetiin itti dhagamuun boqoon inuma ishee caba. Haawwonni durii yoo abaan manaarraa du'e bifa kanaan gaddaa kan turanis ta'u, haalli kun yeroo ammaa sababoota tokko tokko—amantii, ammayyummaafi kkf irraa raaw'iin isaa hir'ateerra (Boqonnaa saddeet ilaali).

### 5.3.7. Kaaya Baasuu

Akka aadaa Arsiitti namni yoo du'e warri namni irraa du'eefi firoottaan, soddoonniifi warri itti dhiheenya qaban Kaayaa Baasuufi. Kaaya baasuu jechuun nyaataafi dhugaatii qopheessanii maqaa nama du'eetiin namoota nyaachiisuudha. Kaaya baasuun ykn nyaataa dhugaatii qopheessanii maqaa nama du'eetiin nyaachisuun wanti barbaachisuuf, namni du'e cubbuun inni yeroo lafarra jiru hojjete irraa hir'atee Jannata akka galuuf yaadameeti. Nyaataafi dhugaatii yoo namni du'e qophaa'uu kanarratti gumaanni firri fidu Qorii Baasuu jedhama (Haaj Gammachuu Mi'eessoo, Aanaa Muunessaa). Akkitti cubbuun irraa hir'ata jedhanii yaadanis, maqaa nama du'eetiin namoota—keessaayyuu, namoota harka qalleeyyii yoo nyaachisanii obaasan Waaqni kana argee cubbuu nama du'ee kaaya baasanii dhiisaaf jedhanii amanu. Kanarraa ka'uun yoo namni du'e guyyaa lakkaa'anii kaaya baasuufi.

Kanaan alas akka ragaan dirree qorannootii argame ibsutti, kaaya baasuun akka nama du'e sanaaf dhihana qopheessuuttis ilaalama. Nama du'eef guyyaa akka naannootti beekamu ykn akka amantaa hayyamamuutti kaaya hinbaasne taanaan du'aan dhihana dhabe jedhama. Nama du'eef yoo kaaya baasuu baatan namni du'e sun deddeebi'ee abjuun namatti dhufa jedhama

(Muhaammad Adam, Aanaa Heexosaa). Namni du'e kaaya baasuufii baatanii abjuun namatti deddeebi'ee mul'achuun akka waan dhihana kiyya na dhoowwatan lubbuu kiyya boqachiisuu diddan jedhuutti ilaalama. Kanaaf, nama du'eef guyyaa lakkaa'anii hanga waggaas ta'ee waggaa olitti nyaataa dhugaatii qopheessani kaaya baasuufi. Kaaya baasuurratti sirni Qorii Baasuu jedhamu, kan firri yoo boo'a dhaqu waan ofii nyaatutti dabalee, warra namni irraa du'es nyaachisuuf nyaataa dhugaatii fuudhee dhaquudha. Boo'arratti Qorii Baasuun waan itti tajaajilaman fudhatanii dhaquun, warra namnirraa du'e san gargaaruuf, darbees, isin waliin jirra kan jedhu agarsiisuuf kan taasisamuudha.

Nyaataa dhugaatii qopheessanii nama du'eef kaaya baasuurratti horiin qalmaas jiraachuu danda'a. Ragaan kana ibsu kan karaa afgaafii argame kan ittaanu kana.

> *Kaaya yoo baasan awwaalarratti horii qalanii awwaalumarratti dhiisanii deemu. Horii kaayaaf awwaalarratti qalame san namni Oromoo ta'e hinyaatu; gosa Oromoo hintaanetu fudhatee nyaata ture. Adeemsa keessa garuu haalli kun hafuun horii kaayaaf qalame namni kamuu nyaachuu eegale. Horiin kaayaaf qalamu namni du'e dhiiraafi dubartii ta'uurratti addummaa qaba. Namni du'e dhiiraa yoo ta'e korma/sangaafi dubartii yoo taate immoo sa'a mataa loonii ta'etu qalama. Dubartii taatee yoo kan hinheerumne taate horiin kaayaaf qalamu raada.* (AFG: Taajuree, Aadam, Aanaa Diksiis, Sadaasa, 2014)

Ragaa afgaafii dhihaate kanarra kan hubatamu, horiin bara durii kaayaaf akka Arsiitti qalamu akka horii gataafi falootti kan ilaalamu ta'uudha. Akkum yaada horii kaayaaf qalame bara durii Oromoon hinyaatu jedhurraa ifu, wanta gataafi faloof dhihaate tokko gosni akka falamu barbaadame hinyaatu. Kaayaaf horii qalanii awwaalarratti gatuun, kan du'e silaa du'ee kan jiruuf nutti hindeebi'in jedhanii du'a hoodachuun kan falataniidha. Akka ragaan argamerraa hubatamutti, Kaayni amma bahuufi bara durii bahu gama horii qalamuufi kkf addaa addummaa qaba. Waa'een addummaa/jijjiirama kaaya ammaa bahuufi bara durii bahuurratti mul'atee qorannoo kana boqonnaa saddeet kutaa jijjiiramaa jalatti dhihaateera.

Horiin kaayaaf qalamu saala nama du'eerratti hundaa'uun kormaafi dhalaa ta'uun koornayaa kan agarsiisuudha. Kunis, namni dhiiraa ta'e yoo du'e kaaya nama kanaaf korma qaluun namni kun korma, jabaafi cimaa ta'uu ibsuufi. Sababnisaas, akka aadaatti jechi korma jedhu beelladni tokko kormaa ta'uu cinaatti, nama dhiiraatiin yoo walqabatu namni kun cimaafi olaanaa ta'uu waan

ibsuufi. Kanarraa ka'uun kaaya dhiira tokko yoo baasan kormaaf korma qalan jedhamuun sangaa/korma itti qalan jechuudha. Akkasumas, kaaya dubartii, keessaayyuu kan dubartii haadha taatee yoo baasan beekamtuufi ulfaattuu ta'uu ishee ibuuf sa'a hangafa loonii qalu.

### 5.3.8. Dhaalamuu Haadha Warraa Abbaan Warraarraa Du'ee

Dubartiin abbaan manaarraa du'e takka bultii kan ijaarrattu abbaan namaa du'ee gaafa waggaa gahuudha. Kanas yaada ittaanu kan afgaafiin argamerraa haa ilaallu.

> *Dubartiin dhirsirraa du'e takka wanti dirqamatti isheerraa barbaadamuufi aadaanis deeggaru, obboleessa ykn gosa abbaa warraa keessaa kan gaafa isheen heerumtu akka ishee dhaaluuf seerri kennuuf kan waarsaa jedhamuun dhaalamtee gosa abbaa warraa isheerraa du'ee keessa taa'uudha. Dur dubartiin abbaan warraarraa du'e gosaan dhaalamuun giddii ture. Amma garuu kun fooyya'eera; yoo dhaala fedhuu baatte diduu dandeessi. Ta'us, yoo nama gosaatiin dhaalamuu kan hinfeene ta'e, gosuma san keessa teessee qabeenya fayyadamaa ijoollee guddisti malee, qa'ee sanatti nama biraatti heerumuu hindandeessu.* (AFG: Ganna Amdaa, Aanaa Diksiis, Sadaasa, 2014)

Dubartiin abbaan warraa irraa du'e takka, akkuma dubartiin kan gosa fuudhee ykn kan ormaa jedhamtu (5.1.4. ilaali) yoo abbaan warraa irraa du'ees akkuma kan gosa sanaa taattetti fudhatamuun gosumaan dhaalamti. Kanaan ala waan gosni abbaa warraa ishee jedhuurraa maqxee fedha isheetiin nama biraattan heeruma yoo jette qa'ee sanas taa'uufi qabeenya isheettis fayyadamuu hindandeessu. Kuni amaluma sirna warroommii sarara dhiiraarratti hundaa'e kan dubartiin keessatti dhiibamtuufi akkuma haala kanarraa hubatamu dhiirri kallattii maraan dursa keessatti argatuuti.

Dhiirri garuu, yoo fedhe haadha warraa warri intala duutee Membeetoon isaaf kennu fuudhuu, yoo hinfeene immoo ishee dhiisee dubartii biraa fuudhuu danda'a. Akka abboottiifi haawwotiin ibsanitti, yeroo durii dubartiin abbaan warraa irraa du'e takka hanga kana hunda dhaala hinbarbaadu jettee ifatti mormachuun diduu hindandeessu. Wanti isheen gochuu dandeessu, bifa faaruutiin—fakkeenyaaf, boo'icha abbaa warraa isheerratti miira ishee ibsachuun kan isa hinfeene ta'uu ibsuun diduuf yaaluu dandeessi (Mata-duree iv Boo'ichaan Ergaa Dabarfachuu jedhu ilaali). Garuu, yeroo ammaa yoo isheen hinfedhin dhaalli hinjiru; isheenis dubbattee mormachuun diduu nidandandeessi.

Dubartiin dhaalarratti dubbattee mormachuu haa dandeessu malee, qa'ee sana akka qabeenya isheetti fudhachuun bultii biraa keessatti ijaarrachuu ykn ibidda biraa keessatti baafachuu hindandeessu. Kanarratti yaadni bal'aan jijjiiramaan walqabatee jiru Boqonnaa saddeet kutaa jijjiirama jalatti dhihaateera. Sirna dhaalaarratti yoo haati warraa abbaan warraarraa du'e dhaalamuuf fedha qabaatte warrishee dhufee namicha dhaalu waliin 'Nikaaya—haadha warraa seera-qabeetti nama kanaa ta'uushee kan mirkaneessu' godhaafi (Boqonnaa saddeet 8.2.10 ilaali). Nikaayni jecha amantaa Islaamaa waliin walqabatu ta'ee, sirna dhiirri tokko dubartiin takka karaa seera qabuun haadha warraasaa ta'uushee ittiin mirkaneessuudha.

#### 5.3.9. Sirna Gumaa

Oromoon Arsii yeroo bal'inaas ta'ee dhiphinaa haalota jiran akkaataa itti qajeelchuufi rakkoonis yoo jiraate akkatti furu qaba. Kana keessaa sirni Gumaa kan lubbuu nama harkatti miidhamteefi miidhaa qaamaafi qabeenyaa namoonni walirraan gahaniin walqabatu tokko.

> *Oromoon Arsii lubbuun/dhikki namaa—kan dhiiraas haa ta'uu dubartii nama harkatti yoo dabarte gumaa baasuun namoota gidduutti nagaa buusa. Gumaan bahu dhiiraafi dubartiin dhalchaa dhalarratti adda waan ta'aniif kan dhiiraa loon dhibba kan dubartii yoo kan Qanafaa hinta'in loon shantama; kan Qanafaa loon dhibba* (Ahmed Galatoo Kaawoo—Abbaa Arsii, Aanaa Heexosaa, Caamsaa, 2014).

Ragaan argame akka ibsutti, Sirna Gumaa Sikkoo-Mandoo keessatti kafaltiin gumaa lubbuu dhiiraafi dubartiitiif muramu adda. Kunis, murtiin gumaa lubbuu dhiiraa loon dhiibba yoo ta'u, kan dubartii yoo kan Qanafaa hinqabne taate, walakkaa murtii gumaa lubbuu dhiiraa loon shantama. Akkuma kutaa sirna dhalootaa jalatti Qanafaan meeshaadaafi sirna wayyooma dubartii mul'isuudha jedhame, dubartiin lubbuun miidhamte takka kan Qanafaa qabdu yoo taate gumaan ishee qixuma murtii gumaa dhiiraati ta'a.

Gumaa lubbuu dhiiraa maaliif Gumaa lubbuu dubartii ol akka ta'e abbootii waliin mariin taasifamee wanti barame, dhiiraafi dubartiin dhalchaa dhalarratti adda—bu'aan dhiiraa kan dubartii ol waan ta'eef, kafaltiin gumaa dhiiraa kan dubartii caale jedhame. Dhalchaa dhalarratti dhiirri dubartii ol jechuun, dhiirri tokko yeroo tokkotti dubartoota baay'ee fuudhee ijoollee baay'ee horuu danda'a ilaalcha jedhurraa kan maddeedha. Kanarratti dhiirri tokko yeroo tokkotti

dubartoota baay'ee fuudhee ilmaan baay'ee horuu danda'a jedhanii uumaa Waaqaatiin dhiira dubartii caalchisuun waan madaala kaasu miti. Dhiirri yeroo tokkootti dubartoota baay'eerraa ilmaan dhalchuu danda'uun jijjiirama jireenya addunyaa keessatti bu'aa buusuufi fooyya'iinsa fidu hinqabu. Faallaa kanaa wanti badaan miidhamuun dubartii jireenya maatii/hawaasarratti dhiibbaa guddaa akka qabu xiyyeeffatamuu dhabuudha. Haala akkanaa dubartoonni keessatti miidhamaafi hacuucamaa jiran keessatti jijjiirama keessa jirra, guddachaa jirra jechuun baacoodha.

Akka ragaan daaw'annaa Sirna Gumaa Aanaa Heexosaa 24/09/14 taasifamerraa argame mul'isutti, Sirna Gumaa baasuurraati haawwan abbootaan qixa taa'anii hindubbatani. Daaw'annaan taasiseen akka hubadhetti, gaheen dubartiin sirna gumaa baasuu keessatti qabdu dubbattee dubbii fixuu osoo hintaane, erga dubbiin dhumtee booda yoo gareen lamaan araaraman gama lamaanirraayyuu, dubartiin takka takka yaamamuun gochaalee tokko tokko raaw'achuudha. Innis dubartiin gama warra ajjeessee heexoo facaasaa *'hadhaan ta kale, mi'aan ta hardhaa'* jechaa gara manaa oldeemti. Isheen gama nama du'ee immoo hiddii buusaa *'horaa miciraan walii ta'aa'* jechaa mana seentee bulbula dammaa facaasaa *'walitti mi'aawaa'* jettee eebbifti. Kanaan ala gama qora mataa—jaarsolee gama warra namnirraa du'een jiraniifi qora miilaa—jaarsolee gama warra ajjeesseen jira, ta'anii dubbii jalqabanii fixuutiin gaheen kan warra dhiiraati.

## Boqonnaa Jaha

## 6. Fakkoommii Koornayaa Raaw'iilee Sirnoota Marsaa Jireenyaa Oromoo Arsii keessatti Mul'ataniifi Ibsanisaanii

Xiinxala boqonnaa shan jalatti dhihaate keessatti sirnoonni marsaa jireenyaa Oromoo Arsii akkamiin koornayaa akka ijaarantu yaaxxina ijaarsa hawaasaarratti hundaa'uun hiikamee dhihaate. Boqonnaa kana keessatti immoo ijaarsa koornayaa sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsii keessatti mul'atu keessa fakkoommiin akkamii akka jirutu xiinxalame. Kunis, kutaa kana keessatti ijaarsa koornayaa sirnoota marsaa jireenyaatiin mul'atu keessa fakkoommiin jiru maal akka fakkaatuufi akkamiin ijaarsa koornayaa akka mul'isutu xiinxalame. Waraqaa kana boqonnaa lama jalatti waa'een fakkoommii akka ka'etti fakkoommiin beekumsa, muuxannoo, falaasamaa, safuu, amantaafi kkf hawaasaa karaa jechaa, gochaafi meeshaadaa kan ibsuudha. Asjalattis fakkoommiin raaw'ilee sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsii—dhaloota, gaa'elaafi du'a keessatti karaa jechaa, gochaafi meeshaadaa mul'atan maal akka fakkaatatu dhihaate.

### 6.1. Fakkoommii Sirna Da'umsaarratti Mul'atu

Asjalatti fakkoommii sirna da'umsaarratti karaa jechaa, gochaafi meeshaadaa mul'atetu ibsame.

#### 6.1.1. Fakkoommii Waan Jedhamuun Sirna Da'umsaarratti Mul'atu

Dubartiin takka yoo deessu da'umsi ishee haala adda addaatiin ibsama. Akkuma qorannoo kana boqonnaa shan kutaa sirna dhalootaa jalatti ka'e, dubartii garaa qabdu takka haawwan gaafan cinuunsuun ishee eegalu *'Hiikoo aayyoo mee dura deettuu tana hiikii'* jechuun kadhatu. Akkuma waraqaa kana boqonnaa afuriifi shan jalatti sirna da'umsaan walqabatee ka'e, '*Hiikoo Aayyoo*' jechuun ateeteedha. Kanaaf, ateeteen qajeelummaa hormaata sa'aa namaatiif kadhatamti waan ta'eef, dubartoonni yoo dubartiin takka deessu akka daftee hiikkatuuf ateetee ishee itti kadhatu. Kanarratti aayyoo jechuun akka Oromoo Arsiitti haadha jechuudha. Dubartoonnis ateetee isaanii kan wantoota hormaata sa'aa namaatiin walqabatu mara nu gargaarti jedhanii abdatan oolmaa haati namaaf ooltu nuuf oolti jechuun haadhaan fakkeessanii aayyoo jechuun faarsantani.

*'Deettuu tana hiikii*' jechuu keessatti, jechi hiiki jedhu waan hidhame tokko hidhaarraa hiikanii bilisa gochuu ibsa. Akkuma kana deessuu gaafa garaatti haferraa eegalee ji'a sagaliif gadaamessi ishee daa'ima baatee cufamee jiru gaafa ciniinsuun ishee qabe akka hiikkatuuf mee deessuu tana

hiiki jechuun haawwan kadhatu. Akka aadaatti dubartii takka yoo daa'imni garaatti hafu Waaqatu garaatti guduunfe/garaa kaaye jedhama. Kanaaf, gaafa guyyaan da'umsaa ishee gahu haawwan yaa Waaq gudunfaa gunduunfite kana sumatu hiikuu danda'aa *'nagaan hiiki'* jechuun kadhatu. Hiiki jechuun cinqii keessa jirturraa furi jechuudha. Gama biraatiin turtii dirree qorannoorraa akka adda bahetti, dubartii garaa qabdu yoo eebbisan: *'Rabbi nagaan lama si haa godhu'* jedhuuni. '*Lama si haa godhu'* jechuun dubartiin dur nama takka turte sababa deesseef nama biraa gara addunyaa fiduun nama lama kan taate jechuudha. Dabalees, *'nagaan lama si haa godhu'* jechuun ilmoon garaa qabdu tun/kun nagaan siif dhalattee/tee nama siif haa ta'u jechuu mul'isa.

Dubartii garaa qabdu takka Rabbi ishee haa hiiku, lama ishee haa godhu jedhanii kadhachuufiin akka ibsa haawwaniitti, dubartiin gaafa daa'imni garaatti hafu jiraachuufi jiraachuu dhabuu ishee Rabbiitu beeka, harka Rabbiit jirti jedhama. Harka Rabbiit jirti jechuun akka haawwan jedhanitti, Rabbii daa'ima garaa ishee kaahetu ishee hiika malee isheen waa'ee da'umsa ishee wanti beektu hinjiru. Gama tokkoon dubartiin garaatti baachuun kan gammachuu qabus ta'u, gama kaaniin yeroon dubartiin garaatti baattu akkamitti deessi, hiikkatti, lama taati jechuun akka yeroo yaaddoottis ilaalama. Kanaarraa ka'uun dubartii garaa qabdu takka Rabbi nagaan si haa hiiku, lama si haa godhu jechuun eebbisu; isheenis yaa Rabbii nagaan na hiiki, lama na godhi jettee kadhatti.

Akka waraqaa kana boqonnaa shan jalatti dhihaatetti, da'umsarratti nagaan hiikkachuu dubartii deesseetti aansee haawwan saalli daa'ima dhalattee durba ykn dhiira ta'uu lakkoofsa ililfaannaa walcaalchisuudhaan ifoomsu. Kan dhalate yoo dhiira ta'e yeroo jaha/afur ililfatu. Yoo durba taate immoo shan/sadi ililfatu. Lakkoofsa ililfannaa dhaloota ilmaafi intalaatiif taasifamurraa waan lama—lakkoofsi ililfannaa ilmaa kan intalaatii olta'uufi guutuu ta'uudha. Asirrratti wanti hubatamuu qabu, lakkoofsi ililfannaa ilmaa guutuus ta'uunis, baay'inaanis kan intalaatii oli. Jalqabarratti, lakkoofsi ililfannaa ilmaa kan intalaatii olta'uun ilmi araddaa warraasaa dhiisee kan hindeemne ta'uusaatiin intalaa olfilatamaa ta'uu mul'isa. Yaada kana ifa gochuuf Oromoon Arsii ilmaa intala yoo ibsu: *'Ilmi kan abbaa uumee, intalli kan abbaa fuutee'* jedha (Dammoo Boonsoo, Aanaa Muunessaa, Waxabbajjii 2015). Mammaaksi kun ilmi yoo dhalatu warrisaa keenya/araddaa keenya kan jedhan ta'uufi intalli immoo warra irraa dhalatte dhiistee kan warra

itti heerumtu ta'uu mirkaneesse. Ittaansee immoo ragaa boqonnaa shan jalatti dhihaaterraa akka mul'atutti, hangi ililfannaa ilmaaf taasifamuu lakkoofsa guutuu ta'uun ilmi warraafi gosaaf guutuu ta'uun fakkeeffama. Intalli immoo araddaa ormaati, heerumaan gosa ishee dhiistee gara gosa ormaa waan deemtuuf, warraafi gosaaf homaa hingootu jedhamuun lakkoofsa mangoo/hir'uun fakkeeffamte. Guutuu jechuun ilmi waan hundaarratti warraaf ooluuf hir'ina kan hinqabne ta'uu agarsiisa. Yeroo jaha/afur ykn shan/sadi ililfachuun—saalli daa'ima dhalattee dhiira ykn durba ta'uu; dhiirri dubartii olta'uufi warraaf/gosaa guutuu ta'uu ibsa. Guyyuma dhalootaarraa qabanii wanti dhiiraaf ta'u kan durbaatii olta'uuniifi ilmi intalarra leellifamuun gahee dhiiraafi dubartiin hawaasa keessatti bahaniifi bakka isaa qaban murteessaafi daangessaa kan deemuudha. Kunis, akkuma kutaalee adda addaa boqonnaa jaha jala jiran keessatti ka'e gaheen dhiirri bahuufi bakki inni hawaasa keessatti qabu olaanaafi kan dubartii gadaanaa akka ta'uuf haala kan mijeessuudha.

Wanta mana dubartii deesseetti ta'u keessaa inni biraa eebba deessuun eebbifamtuudha. Dubartiin takka erga deessee booda namoonni mana ishee dhaquun baga nagaan hiikkatte, lama taate jechuuniidhaan hawwii gaarii qabaniif ibsuun eebbisu. Akka Oromoo Arsiitti eebbi deessuu eebbisan:

*Baga Rabbi nagaan si hiike*
*Kan dhalate/tte haa guddatu/ttu,*
*Aayya aabba haa jedhu/ttu* (AFG: Faaxumaa Kadiir, Aanaa Heexosaa, Fulbaana, 2014)

Eebba kana keessaa baga nagaan hiikkattee keeyyata olaanu keessatti ibsametti dabalee ergaan jiru *'kan dhalate/tte haa guddatu/ttu aayya aabba haa jedhu/ttu'* kan jedhuudha. Eebba *'kan dhalate/tte haa guddatu/ttu aayya aabba haa jedhu/ttu'* jedhu kana hiiknisaa daa'imni dhalate/tte guddatee/ttee nama haa taatu kan jedhuudha. Guddatte nama haa taatu jechuun daa'imni dhalatte akkuma boqonnaa shan kutaa sirna boo'chaa jalatti ka'e *kan karaa deebitu*—osoon hinguddatin kan lubbuun dabartu osoo hintaane, kan guddattee afaan dubbachuun aayyaa aabbaa jechuun warra ishee waantu haa taatu jechuudha. *Kan karaa deebitu* jechuun daa'imni dhalatte takka kichuu ta'uusheetiin akka namaatti addunyaan kan walfudhatte ta'uu dhabuusheetiin haala tokko tokkoorraa ka'uun lubbuun darbuu dandeessi. Durumaa karaa nama ta'uu isheen dandeesisu kan hinxumurre ta'uu dhabuusheetiin yoo isheen lubbuun dabarte karaa deebite jechuun ibsama.

Eebba kana keessatti daa'imni guddattee nama ta'uuf afaan dubbachuun hawaasaan waliigaluu barbaachisa. Kunimmoo yaada hayyoota afaanii keessaa namni Fromkin, Rodman, & Hyams (1998) jedhamu nama wanti bineensota biroorraa adda godhe guddaan afaan dubbachuusaati jedheen waldeeggara. Ilaalchi kun akka biyyoota Afrikaattis kan beekamuudha. Akka ilaalcha biyyoota Afrikaa tokko tokkootti namni nama kan ta'u gaafa dhalate osoo hintaane gaafa afaan dubbateedha. Akka falaasama saboota Afrikaatti daa'imni yoo dhalattu *'kuntu, wanta'* jedhamti malee *'muntu, nama'* hinjedhamtu. Akka falaasama Oromoottis eebba deessuu kanarraa kan hubatamu, daa'imti gaafa dhalatte afaan waan hindubbanneef akka namaatti lakkaa'amuu dhabuurraa *'kan dhalatte haa guddattu, aayyaa aabbaa haa jettu'*—afaan haa bartu, gaafa afaan barte nama taati jedhamuun eebbifamte jechuudha.

Deessuu gaafii dhaqanii erga haala kanaan eebbisanii booda, yoo biraa bahan *'Waaqni harka sihaa urgeessu'* jedhaniini. Akka hubannaa Oromoo Arsiitti gaaleen '*harka sihaa urgeessu'* jedhu Waaqni nagaa si haagodhu, ulmaan kee kan nagaa haa ta'u jechuu ibsa. Turtii dirree qorannootiin akkan adda baaseetti, jireenya idilee keessatti haawwan Arsii nagaa yoo walgaafatan *'urgumaa?'* waliin jedhu. Urgaan waan foolii gaarii qabu bakka bu'a. Kanaaf, haawwanis nagaa yoo walgaafatan jireenya isaanii keessa wanti foolii gaarii hinqabne ykn wanti hamaan kan hinjiraanne ta'uu hubachuuf *urgumaa*? waliin jedhu. Urgumaa jechuun fooliin urgaa kan funyaanitti nama dhufu ta'uu osoo hintaane, haalli jiru nagaa ta'uu mul'isa. Kanaaf, deessuus yoo eebbisan ulmaan kee kan nagaa haa ta'u jechuuf, yoo biraa bahan *Waaqni harka sihaa urgeessu'* jedhanii eebbisuu hawwii gaarii ibsaniifii biraa deemu.

#### 6.1.2. Fakkoommii Waan Sirna Da'umsaarratti Raaw'atamuun Mul'atu

Dubartiin gaafa deessu waan afaaniin jedhan cinaatti gochaanis akka deessuun daftee hiikkattu gochaalee fakkoommii adda addaa qaban raaw'atu. Gochaalee mana dubartii ciniinsifattuutti ta'u keessaa tokko hanfalaa furuudha. Hanfalaan maal akka ta'e waraqaa kana boqonnaa shan kutaa sirna gaa'elaafi boo'ichaa jalatti ibsameera waan ta'eef asitti irra deebi'uun hinbarbaachisu. Mana dubartii ciniinsifachaa jirtuutti hanfalaa furuun wanti barbaachiseef, dubartiin ciniinsifachaa jirtu akkuma haawwan hanfalaa mudhii isaaniirra guduunfamee jiru furan kana ishees gadaamessishee hiikkatee daftee akka deessuufi. Sirni hanfalaa furuu gaafa garaatti baatte da'uuf ciniinsifattu jalqaba osoo hintaane, akkuma waraqaa kana kutaa sirna gaa'elaa jalatti

ibsame gaafa dubartiin takka heerumaan warra dhirsaa dhaqxuudha. Wanti gaa'elarratti sirni hanfalaa furuu taasifamuuf, intalli heerumte takka hormaanni ishee qajeelee ilmaan akka hortuufi (Bal'inasaa Boqonnaa 5; 5.2.8 jala ilaali). Kanaaf guyyaa dubartiin takka deessuus wanti haawwan hanfalaa furataniif dubartiin ciniinsifachaa jirtu takka daftee akka deessuufi.

Akka boqonnaa shan kutaa sirna da'umsaa jalatti ibsametti, gocha haawwan yeroo dubartiin deessu raaw'atan keessaa inni biraa sirna marqaa Hoboxaa jedhamu—marqaa da'umsa dubartiin walqabatee marqamu marqanii nyaachuuti. Marqaan Hoboxaa jedhamu da'umsaan walqabatee marqamu dhihana mana dubartii deesseetti gammachuu da'umsa dubartii deessee ibsuuf marqamuudha. Marqaa Hoboxaa jedhamu kana saala daa'ima dhalatteerratti hundaa'uun namni nyaatuufi nyaachuu hinqabne nijira. Kunis, kutaa sirna da'umsaa jalatti akka ibsametti, daa'imni dhalatte yoo intala taate marqa Hoboxaa warri dhiiraa hinyaatu. Yoo kan dhalate dhiira ta'e immoo marqa Hoboxaa dhiiraa dubartiinis qixuma nyaatu.

Sababni Hoboxaa dubartii dhiirri akka hinyaanne taasifamuuf, fakkoommii dubartiin hawaasa keessatti qabdurraa ka'uudhaani. Ilaalcha dubartiin hawaasa keessatti qabdu kan dubartiin hanga dhiiraa hingeessu, dadhabduudha jedhurraa ka'uun dhiirri yoo Hoboxaa dubartii nyaate akka dubartiitti laafaafi dadhabaa ta'a jechuun akka hinyaanne taasifama. Hobaxaan durbi yoo dhalatte marqamu fakkoommiifi bakka dubartiin hawaasa keessatti qabduun fakkeeffamuun dhiirri akka hinyaanne ta'a. Daa'imni dhiiraafi durbaa yeroo dhalatan isaan waan godhamaa jiru osoo homaa hinbeekin isaaniin walqabatee ilaalchi akkanaa ijaaramaa deema. Boodarra isaanis ijaarsa naannoo isaanii jiru kanatti ofmadaqsuun akkuma kanaan guddatu.

Gochaalee dubartiin deesseen walqabatanii ta'an keessaa inni biraa saala daa'ima dhalatteerratti hundaa'uun deessuuf sirna nafa-dhiqaa raaw'achuudha. Akkuma yeroo ililfannaa haati takka yoo dhiira deesse irraa caalaa ililfatamu, guyyaan nafa-dhiqaas kan haadha ilma deessee guyyaa jaha/afur ta'uun kan haati intala deesse guyyaa shan/saditti dhiqatturra dheerata. Aadaa Arsii keessatti guyyaan haati ilma deesse nafa itti dhiqattu kan haadha intala deesseerra dheerachuun ilmi intalaa olta'uu mul'isuuf kan ta'uudha. Lakkoofsa ililfannaa caalchisuus haa ta'uu, guyyaa nafa-dhiqaa dheerressuun dhiirri dubartiirra kan caaluufi olaanaa ta'uu mul'suuf yaadameeti.

### 6.1.3. Fakkoommii Meeshaadaan Sirna Da'umsaarratti Mul'atu

Mana dubartii deesseetti meeshaadaaleen fakkoommii adda addaa qaban dhimmoota adda addaaf hojiirra oolu. Meeshaadaalee dubartiin deesse dhimma itti baatu inni beekamaafi guddaan Qanafaa/Mutaadha. Qanafaan/Mutaan akkuma boqonnaa shan sirna da'umsaa jalatti ibsame, meeshaadaa wayyoomaa dubartiin deesse warra kaanirraa adda baatee wayyoomtuu ta'uu mul'isuuf godhatamuudha (Boqonnaa shan suuraa 01 fi 02 ilaali). Dubartiin dhihoo deesse Qanafaa addarratti godhattee yoo deemte namni ishee arge deessuu yeroo dhihoo ta'uushee hubachuun kabaja godhaafi. Dabalees, deessuun yoo Qanafaan jirtu abbaa warraa waliin itillee tokkorra hinciiftu; innis deessuu Qanafaan jirtu wayyoomtuu ta'uu ishee waan beekuuf hanga isheen Qanafaa buufatutti bira hingahu. Meeshaadaan wayyooma deessuu mul'isuuf godhatamu kun saala daa'ima dhalatteerratti hundaa'uu dheerinni yeroon inni godhamuu adda addummaa qaba. Haati ilma deesse akkuma yeroo ililfannaa jaha/afur ililfatamu, ji'a jaha Qanafaa godhachuun wayyoomtuu ta'uushee mul'isti. Haati intala deesse immoo dhimmi lakkoofsa guutuus kan jiru ta'ee, haadha ilma deessee gadi ji'a shan Qanafachuun wayyooma ishee mul'isti.

Akkuma kutaa sirna da'umsaa jalatti ibsame, meeshaadaan wayyooma deessuu mul'isuuf godhatamu kun kan godhatamus ta'ee bu'u sirnaani. Deessuun saala daa'ima deesseerratti hundaa'uun yoo dhiira deesse guyyaa jaha, kan durba deesse immoo guyyaa shan gaafa nafa dhaqattu Qanafaa godhatti. Akkuma ililfannaa, kan dhalate yoo ilma ta'e ji'a jaha, yoo durba taate immoo ji'a shan ofirraa tursiisuun buusti. Haati ilma deesse haadha intala deesse caalaa Qanafaa ofirra tursiisuun, akkuma ililfannaa jalatti ibsame, dhiirri dubartii olta'uusaa mul'isuufi. Akkuma jedhame Qanafaan meeshaadaa wayyooma deessuu mul'isu ta'uusaatiin haati ilma deesse haadha intala deesse caala Qanafaan turuun haadha intala deesseerra wayyooma qabaachuushee mul'isa. Akkasumas, bakka Qanafaan haadha dhiira deesserra yeroo dheeraa turuuttis dabalatee jiini turu guutuu ta'uu qaba jedhuttis wanti ibsamuuf barbaadame, akka ilaalcha hawaasaatti ilmi waan hundarratti intalarra guutuu, kan hanqina hinqabne ta'uu ibsa. Akkuma boqonnaa shan sirna dhalootaafi gaa'elaa jalatti ibsame, akka ilaalcha hawaasaatti guutuun waan gaariifi milkaa'in bakka kan bu'uudha.

Deessuun Qanafaa sirnaan godhatte saala daa'ima deesseerratti hundaa'uun hanga barbaachisu erga godhattee booda sirnaan ofirraa buusti. Sirni Qanafaa buusuu Qanafaa Bobbaasuu jedhama. Qanafaa bobbaasuu jechuun kan deessuun Qanafaa wayyoomaaf godhatte erga guyyaan godhattu xumuramee booda sirnaan gara bakka inni kabajaan taa'uutti deebistu jechuudha. Deessuun nafa dhiqaarratti yoo Qanafattuu meeshaadaalee dhimma baasaan Siinqee, margaafi dhadhaadha. Akkasumas, akkuma sirna da'umsaa jalatti ka'e, gaafa Qanafaa ofirraa buustu meeshaadaalee fakkoommii garagaraa qaban Siinqee, Marga, Gaadii, elemtuutti aannaniifi dhadhaa qabachuun daa'ima baattee jabbilee bobbaasuun achumaan mana hangafaa dhaqxi. Deessuun guyyaa Qanafaa bobbaastu kana Qanafaa takkumaan ofirraa buusti osoo hintaane, Qanafaa addarra ture mormatti gaddeeffatti. Qanafaa addarra ture mormatti gaddeeffachuun kan ibsu, deessuun Qanafaa hanga godhachuu qabdu godhattee ofirraa buusaa kan jirtu ta'uu, waan yeroo Qanafaa godhattee gochuu hindandeenya amma gochuu kan dandeessuu ta'uu agarsiisa.

Meeshaadaalee deessuun sirna Qanafaarratti fayyadamtu yoo ilaallu, boqonnaa afur keessatti akka ibsame, Siinqeen meeshaadaa ulfoo dubartoonni qabataniifi mirga dubartootaa bakka buutu, akka mallattootti kan ilaalamtuudha. Dubartiin takka dhimma tokkorratti Siinqee qabattee yoo argamte haadha-seer ykn seera qabeettii ta'uu isheetu beekama. Dubartiin Siinqee kan qabattu yoo sirna tokkorratti hirmaattu, malkaa-tulluu yoo dhaqxuufi deessee gaafa nafa dhiqaa Qanafaa godhattuufi yoo Qanafaa buustuudha. Margi jiidhaan gaafa deessuun Qanafaa godhattuufi buustu dhimma baasu immoo jiidhiina deessuu sanaa kan mul'isuudha. Dabalees, akka Oromootti margi kormaan fakkeeffama. Kanaaf, margi sirna tokkorratti dhihaachuunsaa kabaja sirnichaa ibsa. Margi deessuun yoo Qanafaa godhattuufi buustu fayyadamtus faayiduma akkanaa qaba. Oromoon yoo Waaqa kadhatu, galateeffaatu, eebbisuufi walumaagalatti, waan Waaqa waliin hariiroo isa qabaachisu yoo raaw'atu marga jiidhaa—Irreecha qabata.

Meeshaadaan deessuun qabattee Qanafaa bobbaastu keessaa inni biraa Gaadiidha. Gaadiin meeshaadaa yoo sa'a elman sa'ichi kan amala qabu ta'e ittiin gaadi'aniidha. Akkuma kana sababni deessuun yoo Qanafaa bobbaastu Gaadii qabattee baatuuf, akkuma Gaadii sa'a didaa ittiin gaadi'anii elmatan, yeroo kanas deessuun Gaadii qabachuun waan hamaa ishee ta'ee jireenya ishee muudachuu danda'u Waaqni akkarraa gaadi'uufi. Kana qofa osoo hintaane, haawwan yoo galataafi kadhaaf malkaa bu'aniifi tulluu ba'an Gaadii qabatanii deemu. Yeroo

kanas wantisaan meeshaadaa kana qabataniif dhimmuma akkanaatiifi. Dabalees Qanafaa bobbaasuurratti kan deessuun aannaniifi dhadhaa qabattuuf hariiroo isheen loon waliin qabdu, haadha loonii ta'uufi jiituu ta'uushee mul'isa (Ashoo Tongolaa, Aanaa Heexosaa, Caamsaa, 2015).

Oromoon sirnoota adda addaarrratti waan qabuufi bu'aa loon isaan kan ta'e mijuuf aannan, muudaaf immoo dhadhaa dhiheessa. Akka ilaalcha Oromootti aannaniifi dhadhaan jiidhiinsa agarsiisu. Sirnoota adda addaarratti aannan mijuuf dhihaate namni hangafniifi eebbisuu danda'u namootaatti biifuun sirnichi jiidhaa, guutuufi kan hanqina hinqabne ta'uu mul'isa. Akkasumas, dhadhaa muudaaf dhihaate sirna tokkorratti muuduun, akkuma nama tokko muuduu jechuun nama sanaaf beekamtii kennuufii agarsiisu, sirnichis kan dhugaafi dhaabbataa ta'uu ibsuufi.

## 6.2. Fakkoommii Sirna Gaa'elaarratti Mul'atu

Mata-duree kana jalatti fakkoommii sirna gaa'elaa Oromoo Arsiirratti karaa waan jedhamuu, raaw'atamuufi meeshaadaa mul'atetu ibsame.

### 6.2.1. Fakkoommii Karaa Waan Jedhamuu Sirna Gaa'elaarratti Mul'atu

Gaa'elaan ilmaafi intala takka walitti fidanii mana ijaaruuf fakkoommiin hawaasni waan jedhuun ibsu garagaraatu jira. Fakkoommiin hawaasni waan jedhuun ibsu akkuma waraqaa kana kutaa sirna gaa'elaa jalatti ibsame, yeruma gurbaafi warri isaa intalaafi gosa intalaa qorachuu/ilaallachuu eegalanirraa jalqabee mul'ata. Kunis, warri gurbaa intalli kan naamusa qabduufi isaaniif taatu adda baasuurratti akkuma kutaa sirna gaa'elaa jalatti *'haadha laalii intala fuudhi'* jechuun ibsame, haaluma kanaan adda baasu. Intalli haadha fakkaatti akkuma jedhamu intala isaan warroommiif barbaadan haati naamusa akkamii qabdi kan jedhu ilaalu. Sababnisaa, amalli haati qabdu intalaan dhaalama waan jedhamuuf, naamusa intalaa ilaaluuf haala haati amma keessa jirtuufi sansakkaa ishee qoratu. Dabalees, akka Arsiitti gosa intalaa qorachuurratti, gosnishee ilaalcha akka hawaasaatti *'Cawwaa'* jedhurraa walaba ta'uu qaba. Akka Arsiitti *'Cawwaa'* jechuun gosa Oromoo hintaane, kan seeraafi safuu Oromoon guutu hinguutneefi Gadaa hinqabne jechuudha.

Akkuma boqonnaa shan sirna dhalootaafi gaa'elaa jalatti ka'e dhimmi lakkoofsa guutuu Oromoo Arsii biratti bakka guddaa qaba. Kanumaan warri gurbaa qorannaa erga xumuranii booda, lama

ta'anii warra intalaa dhaquun '*dachaan warra soddaa caale hinjiru, dachaa ta'uuf deemnaa dachaa nu godhaa'* jedhu. Guutuuf deemna, tokkorraa lama ta'uuf deemna isinis nu guutaa ergaa jedhu qaba. Soddaan lamaanis waliif guutuu ta'uus ibsa. Arsiin soddaa yoo ibsu 'Soddaan Sodaa' jechuun kaa'a. Soddaan sodaa jechuun soddaan kabaja, warra safuuti, warra ija keessa walhinilaalle, warra daangaan waliin bulu jechuudha.

Ijoon biraa warri gurbaa warra intalaatti jedhan *'Jinfuu dhaabbadhe, Jinfuu naa dhaabi, duubaan deemaa narraa qabi'* kan jedhuudha. Akka Arsiitti '*Jinfuu naa dhaabi'* jechuun, waadaa warri gurbaa intalli kan isaanii ta'uu ittiin mirkaneeffataniidha. Warri gurbaa warra intalaa dhaqanii '*Jinfuu naa dhaabi'* jedhanii warri intalaa *'jinfuu isinii dhaabne'* erga jedhanii intalli kan isaanii taate jechuudha. Ibsisaas akkuma wanti tokko yoo dhaabbate, kan hinbuqqaane ta'uun isaa hubatamu, '*Jinfuu naa dhaabi'* jechuunis intala naaf kennuu kee naaf mirkaneessi, ijjannoon kee kan hinraafamne ta'uufi wanti biraa duubaan dhufee ijjannoo kee kan hinjijjiirre ta'uu naaf mirkaneessi jechuudha. Kana booda warri gurbaa jinfuu dhaabbatan jechuun intalli kan warra gurbaa ta'uun kan beekameefi mirkanaa'e ta'a jechuudha.

Dubbii fakkoommii qabu gaa'elaarratti jedhamu keessaa inni biraa akkuma boqonnaa shan sirna gaa'elaa jalatti ka'e, eebba warri misirrootaa gaa'elarratti misirroota *'Intalli ilmaan haa injifattu, gurbaan karraan haa injifatu'* jechuun eebbisaniidha. Intalli ilmaan haa injifattu jechuun ilmaan dahuun akka gahee dubartiitti sababa ilaalamuuf, intalli ijoollee haa deessu yaada jedhu ibsa. Mammaaksi intalli *'Teettuu Deettuu haa taatu'* jedhus kanuma ibsa (yaadannoo dirreerraa). Akka aadaatti qabeenya qabaatee mana bulchuun immoo akka gahee abbaa warraatti waan fudhatamuuf, gurbaan qabeenya intala/maatiisaa ittiin bulchu haa qabaatu ergaa jedhu dabarsuuf, *'gurbaan karraan haa moo'atu'* jechuun eebbisani. Karri qabeenya ykn horii bakka bu'a. Kanaaf, gurbaa horii qabaachuun kan isa ilaallatu akka ta'e eerani.

Qabxiin biraa gaa'elaan walqabatee ka'u, yaada *'Boo'icha Durbaa'* jedhuudha. Ijoon *'Boo'icha Durbaa'* jedhu akka boqonnaa shan sirna gaa'elaa jalatti mada-duree mataasaa danda'e ta'uun dhihaatetti, sirna durbi/intalli heerumtu warra isheefis ta'ee warra itti heerumtuuf ergaafi gara-nyaattee qabdu ittiin dabarsituudha. Akka Arsiitti durbi baay'ee akka dubbatu hinbarbaadamu. Kanaaf, intala heerumtus boo'ichi ishee akka aadaatti ni eegama waan ta'eef, yaada garaa qabdu

akka ragaa boqonnaa shan sirna gaa'elaa mata-duree Boo'icha Durbaa jedhu jala jirurraa mul'atutti, faaruu boo'icha fakkaatuun akka ibsattu ta'e. Dabalees, *'Boo'icha Durbaa'* wanti jedhameef, durbi warra ishee dhiistee warra ishee fuudhutti galuusheetiin ko'ummaa qabdu kan ittiin ibsatu waan ta'eefi. Gama biraatiin, durbi kan gosashee fayyadu osoo hintaane, qa'ee warra isheefi eenyummaa dur qabdu dhiistee booji'amtee/fuudhamtee deemuun eenyummaa biraa kan argattu ta'uus ibsa. Kanaan alas, ijoon *'Boo'icha Durbaa'* jedhu qa'een warra intalaa qa'ee ilmoo durbaa kan irraa deeman ta'uu isaatiin akka qa'ee warra gurbaa kan intala fudhatee galuu, gammachuufi kaawoo kan hinqabne ta'uus mul'isa.

#### 6.2.2. Fakkoommii Sirna Gaa'elaarratti Waan Raaw'atamuun Mul'atu

Akka aadaafi duudhaa Oromoo Arsiitti gochaaleen fakkoommii adda addaa qaban sirna gaa'elaarratti gurbaa fuudhuufi intala heerumtuun walqabatanii raaw'ataman jiru. Akkuma boqonnaa shan kutaa sirna gaa'elaa jalatti ibsame, gurbaan fuudhu guyyaa tokko cidha dursee korpheessa hoolaa Waddeessa qalachuun falata. Waddeessi fakkoommii gurbaa fuudhuuti; Baarreen immoo fakkoommii intala heerumtuuti (kutaa 6.2.3 ilaali). Hoolaan Waddeessaa kormatti kormatu qalama jedhamuun gurbaa fuudhutti qalama. Sirna Waddeesa qalachuurratti gurbaan kormummaa isaa ibsuuf hoolaa Waddeessaa qalamerraa Beendhecha baasuun farda fuudhaa ittiin deemutti hidha. Gurbaan fuudhu fardatti Beendhecha hidhuun sirnichi sirna kabajamaa ta'uu, sirnaan Waddeessa qalatee, dhiiga addaan tuqachuun falatee kan bahe ta'uu ibsuufi. Akka Arsiitti dhiirri tokko dubartii takkaa olfuudhuu kan danda'us ta'u, fuudhaa jalqabaa ykn qeerrummaan fuudhurratti Goraa Kallachaa murachuun Waddeessa qalata malee kan lammataafi kanneen biroorratti miti. Haati warraa Waddeessa qalachuun qeerrummaan bahanii Goraan fuudhanis niitii Goraa ykn ganamaa jedhamti; hangafummaas qabdi. Ilmaanis yoo ta'e ilma isheetu hangafa; abbaanis ilma isheetiin waamama (Goobana Nagahoo, Aanaa Heexosaa).

Gaa'elarratti Goraa murachuun walqabatee, akka abbootiifi haawwotiin karaa afgaafi marii garee ibsanitti, gurbaan yoo bahu obboleessi isaa ykn namni akka obboleessaa ta'uuf Goraa Kallachaa saddeet muruun marga waliin kennaafi. Goraa Kallachaa jechuun akkuma gurbaan fuudhuufi sirna gaa'ela guyyaa sanaa Kallacha jedhamu goraa gurbaa fuudhuu jechuudha. Akkuma jedhame Goraan Kallachaa kan muramu fuudha Qeerrummaan taasifamuudha. Kanaaf, gaa'ela

tokkorratti Goraan Kallachaa kan muramu fuudhaa heerumni sun kan jalqabaa/qeerrummaafi qarrummaan adeemsifamu ta'uu ibsuufi. Lakkoofsi Goraa Kallachaa saddeet ta'uun, gama kanaan qorannoo bal'aan kan barbaadu ta'uus, Sirni Gadaa lakkoofsa shaniinis haa ta'uu, saddeetiin sirnoota hawaasa mara keessatti gahee qabaachuun kan mul'atu ta'uu agarsiisa. Gurbaanis margaafi Goraa kennameef eebbifatee lakkoofsa dachaa—afur mana, afur immoo kiisii mirgaa keessa kaahatee fuudha deema.

Gurbaan yoo manaa bahu Goraa Kallachaa kiisii mirga godhatee bahuun, migi mallattoo moo'achuu waan ta'eef, kanaaf innis sirna baheef irratti milkaa'ee galuufi. Waraqaa kana kutaa sirna da'umsaafi gaa'elaa jalatti akka ibsametti, mirgaan galuun booji'anii galuu agarsiisa. Kan booji'ee galu immoo dhiira/ilma. Sirna gaa'elaarratti gurbaan fuudhu warra intalaa dhaqee intala fudhatee galuun mirgaan galuu agarsiisa. Kanaarraa ka'uun maatiin ijoollee isaanii ilmaafi intala yoo ibsan ilmi bahee fuudhee intala booji'ee gala waan ta'eef, isa mirgaan fakkeessu. Intalli immoo teenyaa miti heerumaan baatee araddaa ormaa dhaqxi jechuun bitaan fakkeessu. Oromoon Arsii waan isaa kan ta'e mara mirgaan fakkeessa. Kan isaa kan hintaane bitaan bakka buusa. Kanarraa ka'uun Arsiin bitaa mirga yoo ibsu, mirgi waan keenya ta'e mara ilaallata; bitaa daangaan isaa nyaapha/diina jechuun ibsa (Dammoo Boonsoo, Aanaa Muunessaa).

Gochaalee fakkoommii qaban gaa'elarratti ta'an keessaa inni biraa gocha warri gurbaa yoo intala manaan gahan balbala dura itillee hafuun garbuu/biqala garbuu irratti naqanii intala irra teechisuun daa'ima dhiiraa baachisan tokko. Intala yeroo itilleerra teechisan haati gurbaa hanfalaa ofii furuun kan intalaas furtiifii; aannan unachuunis *'hangan ani hore hori'* jechuun itti biifti (Aadde Daanyuu Rabboo, Aanaa Heexosaa, Waxabajjii, 2013). Gocha kana keessatti itilleen warri gurbaa intala jala afanii garbuu/biqila garbuu irratti naqan itillee gurbaafi intalli guyyaa walfuudhan/walitti makanirraa eegalanii diriirfatan/afatanii irra rafan, jireenya waliinii itti eegalaniidha. Garbuun/biqilli garbuu itilleerratti naqan immoo sanyii—keessaayyuu, sanyii biqilteedha. Sanyii itillee gurbaafi intalli irra rafanirratti naqanii intala irra teechisuun, itillettiin eebbifamtee misirrootaaf milkiin sanyii tanaa tolee isaanis sanyii/ilmaan akka qabaataan hawwuufiidhaafi.



**Suuraa 11: yoo haawwan warra gurbaatti intala garbuu itilleerrratti naquun intala irra teechisuuf qophaa'aa jiran mul'isu (Amajjii 18/2015, A/Heexosaatti kaafame)**

Gaa'ela keessatti misirroonni ilmaan akka qabaataniif hawwuu keessatti intala ilma ykn daa'ima dhiiraa baachisuun daa'imni isaan argachuu qaban ilma ta'uu akka qabu beeksisuufi. Akkuma boqonnaa shan kutaa sirna dhalootaas ta'ee, gaa'elaa jalatti ibsame, maatiin ilmoo argachuu barbaadu tokko ilmi araddaa keenya, araddaa keenyarratti hafuun nu dhaala, eenyummaa keenya itti fufsiisa jechuun ilma dahuu hawwa. Kanaaf, fakkoommiin intala ilma baachisuu, ishees akkuma kana milkiin ilmaa ishee tolee ilma warraaf araddaa ta'a jedhamu akka deessuufi.

Yeroo intala itillee safuurratti sanyii naqanii irra teessisan haadha gurbaatiin hanfalaa furi jedhuuni. Kanumaan haati gurbaa hanfalaa ofii furuun kan intalaas furuuf yaalti. Haati gurbaa hanfalaa furuun hiika lama qaba. Inni tokko akka aadaafi duudhaa Oromootti durbi takka hanfalaa kan furattu gaafa heerumtuudha. Kunis, gaafa qarrummaarraa gara nadhummaa ykn intalummaarraa gara haadhummaatti ceetuudha. Kanaaf, haati gurbaa kana ibsuuf, guyyaa cidhaa intala ilmishee fuudheef hanfalaa furti. Inni biraa dhimmi haati gurbaa misirroodhaaf hanfalaa

furtuuf intalli deessuu akka taatuufi. Haati hidhaa hanfalaa mudhii isheerra jiru hiikuun intalas akkuma kana gadaameessi ishee hiikkatee ilmaan akka deessuufi. Fakkoommiin haati gurbaa hanfalaa mudhiirraa hiikkachuu, fakkoommii gadaamessi intalaa hiikkachuuti mul'isa.

Gochi biraa haati gurbaa yeroo intalli balbala jirtu gootu, aannan intalatti biifuudha. Haati gurbaa osoo intalli mana hinseenin aannan unattee intalatti biifuun namoota biroo cidhicharrra jiran maraan itti tufa jettiini. Kana gochuun wanti barbaachisuuf, guyyaa kana ijji hamaan intala ilaalte yoo jiraatte akkarra cabduufi. Akka aadaatti waan '*Qorsa'* jedhamu, ija hammeenyaan nama ilaaltutu jira. Ijji tunimmoo kan namarraa cabdu yoo ijji qorsa qabdu sun namatti tufteedha jedhama (Aadde Aashaa Muhaammad, Aanaa Heexosaa, Waxabbajjii 2015). Cidharratti misirroonni—keessaayyuu, ijji intalli ittiin ilaalamtu adda; xiyyeeffannoo argatti. Kanaaf, kana keessa ijji hamtuun akkashee hinilaalle, kan ilaaltes yoo jiraatte akkarraa cabduuf haati gurbaa intala dura ofii aannan itti biifuun erga eebbistee booda namni martuu akka itti biifu taasifti jechuudha.

Asirratti haati gurbaa misirrootti aannan biifuun waa lamaafi. Inni tokko aannan itti biifuun *'jiidhi, jiituu ta'i, jiidhaa hindhabin, naaf aannanaa'i'* jechuufi (Daanyuu Raaboo, Aanaa Heexosaa). Haati gurbaa intala bifa kanaan eebbisuun '*hooffali, si yaa hooffalchu, hamman ani hore hori—carraan ana muudate sis haa muudatu'* jechuus ofkeessatti hammata. Kana jechuun, bultii ijaarrachuun imalaa, imala eegaltetti akkuman ani milkaa'e milkaa'i kan jedhu ibsa. Dabalees '*naaf aannanaa'i'* jechuun, harmi kee aannan haa baasu, dahii ilmaan tee harma hoosisi jechuudha. Kan lammataa immoo, akka aadaatti ijji qorsa qabdu kan namarraa cabdu namni qorsa qabu yoo namatti tufe waan jedhamuuf, ijji qorsa qabdu intala ilaaltee yoo jiraatte osoo itti hintufin akka hingalleefi. Guyyaa misirrummaa namni/ijji namaa namatti xiyyeeffaturratti wanti hamaan intala akka hinmuudannee hanbisuuf, haati gurbaa ofii misirrootti aannan biifuun namnis akkatti tufu gooti (Safiyaa Burqaa, Aanaa Diksiis).

Gochi warri gurbaa intala ilma isaanitti fuudhaniin walqabsiisanii raaw'atan inni biraa intalatti Rakoo qaluudha. Intala fuudhanitti wanti Rakoo qalaniif, akkuma *'ilmi kan abbaa uumee intalli kan abbaa fuudhee'* jedhamu warri gurbaa intala fuudhaan Rakoo itti qaluun kan ofii taasifatu. Dhiigni hoolaa Rakoo intalli dhiigaan kan warra kanarraa dhalattes ta'uu baattu, amma kan

isaanii akka taatu godha. Jechuun, hoolaan Rakoo kan intalli warra ishee dhiistee warra itti heerumtu waliin itti warroomtu; haadha karraafi haadha warraa ta'uunshee itti mirkanaa'uudha. Intala takka Rakoo itti qalanii yoo warroomfatan warra itti warroomte sanatti haadha-seer, karraafi warraa taati jechuudha.

Intalli Rakoon warroomfatan takka osoo nama ishee warroomfaterraallee adda baatee kan heerumtu ta'ee, gulantaan ishee bakkuma ganama Rakoon itti jige kana. Kana keessatti jechi ganama jedhu kan ibsu gaa'ela qarrummaafi qeerrummaan raaw'atu ta'uudha. Akka abboonniifi haawwoonni Jilba—Seera Gadaati jechuun ibsanitti, ilmaan isheen bakka itti heerumtetti deessuus kan warra Rakoo itti qaluun warroomftanii ta'u. Haala kana dubartiin Rakoon qabdu *'Rakoo qabaa rakkoo qaba',* kan Rakoo hinqabne immoo '*waa Rakoo qabaa rakkoo qabaa'* jettee ibsite (Gammachuu Mi'eessoo, Aanaa Muunessaa, Waxabajjii 2014). Kun intalli Rakoon warroomfamte warra itti warroomterraa seeraafi mirga kan qabdu, warri ishee warroomfatellee seeraafi mirga isheerraa kan qaban ta'uu ibsa. Yoo Rakoo hinqabne akkuma *'Rakoo qabaa rakkoo qabaa'* jette seeraafi mirgi gama lachiyyuu akka hinjirre mul'isa. Ragaan argame akka mul'isutti, yeroo ammaa akka Arsiitti Sirni Rakoo hojjoomaa hinjiru. Kun maaliif akka ta'e boqonnaa saddeet kutaa jijjiiramaa jalatti ibsameera.

Hoolaan Rakoo fakkoommiin ishee intala heerumtuuni. Kanarraa ka'uun hoolaan Rakoo kormaa osoo hintaane, dhaltuu—keessaayyuu, kan dhalte ilmaan qabdu ta'uu qabdi. Hoolaan Rakoo dhaltuu/goromtii (hoolaa hindhalin) ta'uun qofti gahaa miti. Sababni isaas, hoolaan goromtiin ofdura haa dhaltuufi haa dhiistuun ishee hinbeekamu. Kanaaf, hoolaa dhaltee ilmoo qabdu ta'uu qabdi jedhama. Kuni kan ibsu, intalli haadha ilmaanii ykn deessuu, teessuu ta'uu akka qabdu agarsiisa. Hoolaan Rakoo fakkoommii intalaatti akkuma jedhamu, foon hoolaa Rakoo namoonni nyaataniifi hinyaanne/lagatan jiru. Foon hoolaa Rakoo namoonni hinyaanne namoota intala waliin hariiroo ilmumaa, abbummaafi obboleessummaa qabaniifi gosa isheeti. Fakkeenyaaf, jaaltonni intala waliin hariiroo obbolummaa qabu waan ta'eef, foon hoolaa Rakoo isaaniif haraama (waan hintaane/ta'uu hindandeenye) ni lagatu. Sababnisaa, hoolaan rakoo kan intalli warra gurbaatiin itti foon/warra taate waan ta'eef, miinjonni immoo intalli obboleettii isaanii waan taateef, akkanumatti ishee laganna yaada jedhu ibsuuf foonicha seeraan lagatani.

### 6.2.3. Fakkoommii Sirna Gaa'elaarratti Meeshaadaan Mul'atu

Fakkoommiin gaa'elarratti meeshaadaan mul'ataniifi bakka guddaan qaban Baarree, Siinqeefi Buna Qalaadha. Akkuma boqonnaa shan sirna gaa'elaa jalatti ibsame, Baarreefi Siinqeen meeshaadaalee intalli heerumtu guyyaa cidhaa seeraan fudhattee mana warraatii baatuudha. Guyyaa cidhaa gurbaan fuudhu intalli mana warraatii baatee oldeebi'ee irreessaan haadha harka fuudha. Yeroo inni harka fuudhuu dhaqu haati intalaa diinqatti Buna Qalaa, Baarreefi Siinqee qabattee isa eegdi. Haati intalaa yoo gurbaan bira gahee irreessaan harka fuudhu Buna qalame gurbaaf kennitee dhandhamsiisuun *'Hoo Baarree, hoo Barsee'* jechuun Baarree aannaniin guutameefi Siinqee itti kennitti.



**Suuraa 12: yoo gurbaan haadha intalaarra siinqee, baarree, boraatiifi meeshaa urgoo fudhatee bahu mul'san (Caamsaa 21/2014, A/Heexosaatti kaafame)**

Gurbaan fuudhu warra/haadha soddaarraa Buna Qalaa fudhachuun kennaa guddaa—haadha warraa warra/gosa sanarraa argachuun isaanitti makamuu agarsiisa. Bunni warra soddaa safuu

qaba. Gurbaan Buna Qalaa warra intalaarraa fudhachuun safuudha. Guyyaa kanarraa eegalee gurbaan akkuma *'Arsiin Soddaan sodaadha'* jechuun walsafeeffattu, gosaafi warra soddaa waliin safuufi kabajaan bula. Buna Qalaan warra intalaatti qalamee gurbaaf kennamu akka waadaatti, akka faloottis ilaalama. Soddaan wayyuudha; gurbichi soddaa ta'ee gosa intalaa waliin wayyoomaan kan bulu ta'uu mirkaneessa. Bunichi gurbaan hadaraa haati intalaa akka inni intalashee haalan horatuuf itti kennitu fudhachuusaa kan waadaa ittiin seenu; akkasumas, gosa intalaatiifis ulfina barbaachisu kan kennu ta'uusaa kan itti mirkaneessuudha. Akka falootti kan ilaalamus gurbichi ilma warra sanaa ta'uun warra intalaa waliin hariiroofi ilaalcha gaarii akka qabaatuufi. Osoon gurbaan soddaa warra/gosa soddaa waliin dogoggora wayii keessa seenee ykn warra/gosa warra soddaa walqabatee dogoggora wayii hojjetee '*Buna keenya fudhateeti nu miidhe, buna keenya jigse'* jedhamuun komata (Gammachuu Mi'eessoo, Aanaa Muunessaa).

Haati intalaa *'Hoo Baarree, hoo Barsee'* jettee gurbaatti kennuun hiika mataasaa qaba. Kunis akkuma boqonnaa shan mata-duree sirna gaa'elaa jedhuufi boqonnaa jaha 'mata-duree Fakkoommii Sirna Gaa'elaarratti Waan Raaw'atamuun Mul'atu' jedhu jalatti sirna Waddeessa qalachuutiin walqabatee ka'e, Waddeessi gurbaa fuudhu, Baarreen intala heerumtu bakka bu'u/fakkeeffamu. Gaa'elarratti haati intalaa Baarree aannaniin guuttee hoo *'Baarree hoo Barsee'* jettee gurbaa fuudhutti kennuun, akkuma Baarreen aannanii guutamte kana intalli tiyyas guutuudha, kabaja—durbummaa ishee kan eeggatte, Barseedha jechuudha. Barsee jechuun, intala homaa hinbeekne, durba duuda ykn daa'ima taate kan homaa hinbeekne jechuudha. Kanaaf, haatis intalli tiyya har'a na biraa bahuu isheeti homaa hinbeektuu, hir'ina tokko malee siif kenneeraa akkaan horadhu jettee Siinqee fakkoommii/mallattoo eegumsa mirga dubartii ta'e waliin hadaraa itti kenniti.

Intala heerumtuuf guyyaa heerumterraa eegalee Siinqeen kennamuun, intalli gosashee keessaa baatee nyaaphatti kan makamte ta'uusheetiin yoo miidhanillee isheerra gahe seera Siinqeetiin mirgishee kan eegamu ta'uu mul'isa. Dabalees, akkuma boqonnaa afur jalatti Siinqeen meeshaadaa seer-qabeetti ta'uun ibsame, guyyaa kanarraa eegalee intalli tun haadha warraafi haadha karraa ta'uu; darbees, dubartii seer-qabeettii ta'uu mul'isa. Guyyaa Siinqeen kennameefirraa eegaltee intalli takka intalummaarraa gara haadhummaatti ceeti.

Sababa aannan Baarree intalaan fakkeeffamuuf, akkuma foon hoolaa Rakoo namoonni lagatanii aannanicha hindhugne jiru. Gurbaan fuudhu Baarree aannaniin guutamte haadha intalaarraa erga fuudhee Waarsaatti—nama ofdura intala dhaaluu akka danda'uuf seerri kennuufitti kenna. Nami Waarsaa jedhamu nama gaafa abbaan warraa lubbuun darbe intala/haadha warraa tana dhaaluu danda'u waan taa'eef, aannan Baarree intalaan fakkeeffamu kanas hinlagatu ni dhuga. Guyyaa cidhaa Waarsichi aannan Baarree fuudhee gala ykn namoota akkasaa waliin karaatti dhuguu danda'a (Xaawuu Raaboo, Aanaa Diksiis).

### 6.3. Fakkoommii Sirna Boo'ichaarratti Mul'atu

Boo'icharratti wantoonni fakkoommii adda addaa qaban karaa waan jedhamuu, raaw'atamuufi meeshaadaa mul'atan jiru. Kanaaf, mata-duree kana jalattis wanti dhihaatu boo'ichaan walqabatee akka Arsiitti fakkoommiin karaa jechaa, gochaafi meeshaadaa jiru maal akka fakkaatuudha.

#### 6.3.1. Fakkoommii Sirna Boo'icharratti Waan Jedhamuun Mul'ate

Boo'ichaan walqabatee ragaan waraqaa kana kutaa sirna boo'ichaa jalatti dhihaate Oromoon Arsii boo'icha/du'arratti ilaalchaafi hubannaa akkamii akka qabuufi isa kanammoo waan jedhuun akkamitti akka ibsatuudha. Oromoon Arsii duuti marsaa jireenya dhala namaa keessatti kan hinhafne ta'uufi namni kamuu kanirraa hinoolle ta'uu akkatti ibsu qaba. Kanas namni dhalate tokko du'a osoon dhamdhamin kan hinhafne ta'uu *'Duuni dhaloota; Namni gaafa dhalate du'e; Duuti mana ofiiti'* jechuun ibsa. Yaada kana keessatti *'Duuni dhaloota; Namni gaafa dhalate du'e'* jedhu nama dhalachuun isaa akkuma beekame du'uunsaas beekama jechuudha.

Namni gaafa dhalate du'uunsaa beekama kan jedhu kana hawaasni boo'icha daa'imni akkuma dhalatteen boochu waliin walqabsiisee ibsa. Kunis, daa'imni yeroo dhalattu akkuma garaa haadhaatii buuteen sagalee boo'ichaa kan dhageessistu ta'uun dhalli namaa akkuma dhalate kana kan du'u ta'uu mul'isa jechuun ibsa. Daa'imni garaa haadhaatii yoo buutu nan dhaladhe, bakka dhiphaa keessaan lafa bal'aatti ba'e jechuun gammaddee kan kofalte osoo hintaane, du'a ofdura ishee muudatu ibsuuf kan boosse ta'uu hawaasni falaasama mataasaatiin ibse. Kana jechuun, akka ilaalcha hawaasaatti daa'imni yoo dhalattu boo'uun, du'a irraa hinoolle ofdura isheerra

gahu ibsuu akka ta'e mul'isa. Kanammoo yaada hawaasaa *'Duuti mana ofiiti'* jedhuun waliigalchuu dandeenya. Akka ilaalcha hawaasaatti bakki namni amma lafarra jiraatu kun bakka jireenyaa yerooti. Akka ibsa hawaasaatti bakki jireenyaa namaa inni qabatamaan du'a. Namni dhalate tokko yaa dheeratuus yaa gabaabatuus du'arraa hinhafu waan ta'eef, duuti mana ofiiti jedhamuun ibsama.

Ijoo *'Duuti mana ofiiti'* jedhu kanaan walqabatee umrii nama du'eerratti hundaa'ee namni du'e dulloomee/tee yoo umrii du'uu qabutti ykn akka ilaalcha hawaasaatti waan namni tokko addunyaarratti raaw'achuu qabu raaw'atee kan du'e ta'e *'ebelu hingale, Waaqatu ofitti aanse*' jedhama. Kana jechuun, duuti mana ofiitii irraa hinoolanii, garuu dulloomanii harka namaatti galanii, rakkatanii/hiraaranii du'uurraa Waaqni isa/ishee oolche jechuu mul'isa. Akkasuma immoo yoo nama umrii ykn yeroo malee kan du'e ta'e '*ebelu hinbade, kichuu cite*' jedhama. Nama umrii malee du'a waa'ee isaa/ishee kaasanii yoo dubbatan *gurbaa bade* ykn *intala badde* san jechuun ibsama/ti. Nama umrii malee du'een 'bade/dde' jedhanii ibsuun namni kun waan addunyaarratti fixuu qabu, waan hawaasni ykn warrisaa/ishee isa/isheerraa eegu—gaa'ela godhachuu, ilmoo argachuu, barnoota xumuruufi kkf ykn Gadaasaa osoon hinxumurin kan du'e/duute ta'uu agarsiisa. Kanaaf, hawaasni nama umrii akkanaatti du'een hinbade/dde—waan raaw'achuu qabu osoon raaw'atiin karaatti hafe/te jechuun ibsa. Dabalees, daa'imni reefu dhalatte yoo duute immoo daa'imatu deebi'e jedhama. Dhimmi daa'imatu deebi'ee kun boqonnaa jaha fakkoommii sirna dhalootaa waan jechaan mul'atuu jalatti bal'inaan ibsame waan ta'eef, asitti irra deebi'uun hunbarbaachisu; (Kutaa 6.1.1 ilaali).

Nama du'e tokko waa'eesaa yoo haasa'an, hariiroofi waan inni/isheen nama jiru waliin dabarse/site kaasaanii yoo haasa'an maqaa nama du'e sanaa kaasuun '*ayyaanni kiyya/kee/ishee/isaa haa caaluu, amma hinjedhinii, inni/isheen bakka dhugaa jira/rti, ani/ati/fi ebelu akkana waliin goonee turre'* jechuun hoodachaa haasa'u (Gishuu Kadiir, Aanaa Heexosaa). Hawaasni ayyaana nama jiruu kan du'erra caala jechaa akkanaan hoodachaa wanti haasa'uuf, ayyaanni nama jiruu kan nama du'eetiin walqixxatee namni jiru akka hinduuneefi. Seenaa nama du'ee yoo kaasan ayyaanni keenya/keessan/isaanii walhaadarbu/haacaalu osoon jedhin yoo haasa'an ayyaanni isaanii walfakkaachuun ayyaanni nama lubbuun hinjirre ayyaana nama lubbuun jiruu waamuun namni jiru akka du'u taasisa jedhamee amana. Kanaaf, seenaa

namni du'e nama jiru waliin dabarse kaasanii yoo dubbatan ayyaanni keenya/keessan walhaacaalu, amma hinjedhiinii, amma waliin hinyaatiniifi kkf jechaa dubbatu.

Ijoon biraa hawaasni yoo haasaa keessa seenaa nama du'ee kaasee haasa'u jedhu, ebelu jedhee maqaa nama du'ee dhahuun, *'inni/sheen bakka dhugaa dhaqe/xe nutu bakka dharaa jira malee'* kan jedhuudha. As keessa qabxiin jiru hawaasni du'a akka bakka dhugaatti kan fudhatu ta'uudha. Namni bakka du'aa kan dhaqu yoo lubbuun keessaa baate, bakka sochii hunda dhiisee waan huda raaw'atetti. Kanaaf, namni du'e socho'ee waan hamaa/sobaa hindalagu waan ta'eef, inni/isheen bakka dhugaati jira/ti jedhamuun ibsama jechuudha. Gara birattin namni du'e bakka dhugaati jira jechuun inni/sheen mana Waaqaati jira/ti hiraara lafarraa boqonnaa argataniiru jechuudha. Namni lubbuun jiru bakka dharaati jira jedhamee kan ibsamuuf, namni jiru osuma ani qulqulluudha kan ofiin jedhu ta'eellee, hanga lafarra jirutti cubbuufi badiirraa adda hinbahu jedhamee waan amanamuufi. Namni lafarra jiru hanguma jireenyaaf socho'u waan ta'uu hinmalle hojjeta. Kana keessatti, akka hubannaa hawaasaatti, lafti gocha badaa dhalli namaa raaw'atuun iddoo dharaati jedhamte.

Qabxiin booyaan walqabatee ka'u inni biraa sirna namoonni nama namni irraa du'e 'si yaa jabeessu' jedhanii eebbisaniidha. Si yaa jabeessu jedhanii eebbisuu keessatti akkuma waraqaa kana boqonnaa shan kutaa sirna boo'ichaa jala ibsame, haadha warraafi abbaa warraa keessaa tokko yoo lubbuun darbe akkaataan lamaan isaanii itti eebbisan addummaa qaba. Kunis, abbaa warraa haati warraa jalaa duute si yaa jabeessu yoo jedhaniin '*jabaadhu Rabbi si yaa jabeessu, itillee tee dachaate siif yaa diriirsu, balbala kee cufame siif yaa banu, mana kee dukkanaa'e sii yaa ibsu'* jedhanii eebbisu. Haadha warraa abbaan warraa irraa du'e immoo 'Rabbi si yaa jabeessu, maatiisaa waliin nagayaan si yaa bulchu jechuun eebbisu. Abbaa warraa haati warraa jalaa duute akkana jedhanii eebbisuun, akka ilaalcha hawaasaatti, abbaa warraafi haadha warraa keessaa tokko yoo lubbuun darbe itilleen isaan guyyaa gaa'ela ijaaratanirraa eegalanii waliin diriirsan dachaate jedhama. Bultii tokko keessatti itilleen dachaate jechuun hir'inni uumame—abbaa warraa ykn haadha warraa keessaa tokko hinjiru jechuudha.

Hir'ina karaa abbaa warraa ykn haadha warraa uumame kanarratti haadha warraafi abbaa warraa kan eebbisan akkuma ragaa dhihaaterraa ifu akka adda ta'eeni. Abbaa warraatiin balballi kee

cufame siif yaa banamu, manni kee dukkanaa'e siif yaa ifu, itilleen tee dachaate siif yaa diriirtu—haati warraa sijalaa duute bakka siif haa buutu jedhanii eebbisu. Eebba kana keessatti balbala cufame, mana dukkanaa'e jechuun dubartiin kan cufaa namarraa bantuufi dukkana namarraa ibsitu ykn dubartiin fakkoommii cufaa bantuufi dukkana ibsituu akka taatees yaadni dhihaate ni ibsa. Haati warraa yoo nama jalaa duute/miidhamte balballi ni cufa, manni ni dukkanaa'a. Kanaaf, abbaa warraa itillee tee siif yaa diriisuu cinatti, balballi kee cufame sii yaa banamu, manni kee dukkanaa'e/qorre siif yaa ifu jedhanii eebbisu. Abbaa warraa akkanaan eebbisuun haadha warraa bira fuudhi jechuu agarsiisa. Faallaa kanammoo haadha warraa yoo eebbisan itilleen tee dachaate siif yaa diriirtuu osoo hintaane, maatiisaa waliin si yaa bulchu jedhanii eebbisuun akka abbaa warraa bultii biraa ijaarradhuu osoo hintaane, hinheerumin taa'i jechuu mul'isa.

### 6.3.2. Fakkoommii Sirna Boo'ichaarratti Gochaan Mul'atu

Akka waraqaa kana boqonnaa shan kutaa sirna boo'ichaa jalatti ka'e, gochaalee yoo namni du'e raaw'taman keessaa inni tokko sirna kaaya baasuuti. Akka aadaa Arsiitti namni yoo du'e warri namni irraa du'eefi firoottan, soddoonniifi warri itti dhiheenya qaban kaayaa Baasuufi. Kaaya baasuu jechuun nyaataafi dhugaatii qopheessanii maqaa nama du'eetiin namoota nyaachiisuudha. Akka obbo Muhaammad Aadam ibsanitti, Kaaya baasuun ykn nyaataa dhugaatii qopheessanii maqaa nama du'eetiin nyaachisuun wanti barbaachisuuf namni du'e cubbuun inni yeroo lafarra jiru hojjete irraa hir'atee Jannata akka galuuf yaadameeti. Akkitti cubbuun irraa hir'ata jedhanii yaadanis, maqaa nama du'eetiin namoota—keessaayyuu, namoota harka qalleeyyii yoo nyaachisanii obaasan Waaqni kana argee cubbuu nama du'ee kaaya baasanii dhiisaaf jedhanii amanu. Kanarraa ka'uun yoo namni du'e guyyaa lakkaa'anii kaaya baasuufi.

Akka namoonni ibsanitti, kaaya baasuun akka nama du'e sanaaf dhihana qopheessuutti—dhihana qopheessanii nama nyaachisuun lubbuun nama du'ee boqonnaa akka argattutti ilaalama. Nama du'eef guyyaa akka naannootti beekamu lakkaa'anii ykn akka amantaan hayyamamuutti kaaya hinbaasne taanaan du'aan dhihana dhabe jedhama. Nama du'eef yoo kaaya baasuu baatan namni du'e sun deddeebi'ee abjuun namatti dhufa jedhama. Namni du'e kaaya baasuufii baataanii abjuun namatti deddiibi'ee mul'achuun, akka waan dhihana kiyya na dhoowwatan lubbuu kiyya boqachiisuu diddan jedhuutti ilaalama. Kana jechuun, nyaataa dhugaatiin lafarratti kaayaaf

qopheessanii namni nyaatu, osuma du'aan ka'ee akka hinsooranne beekamuu akka dhihana nama lubbuun darbeetti lakkaa'ama ykn fakkeeffama jechuudha. Kanaaf, nama du'eef guyyaa lakkaa'anii hanga waggaas ta'ee waggaa olitti kaaya baasuun akka nama du'eef dhihana kennuutti ilaalama.

### 6.3.3. Fakkoommii Sirna Boo'ichaarratti Meeshaadaan Mul'atu

Aadaa Arsii keessatti meeshaadaaleen sirna boo'chaan walqabataniifi fakkoommii adda addaa qaban jiru. Akka aadaa Arsiitti meeshaadaalee sirna boo'ichaan walqabatanii ka'aniifi ibsa fakkoommii qaban keessaa tokko Hanfalaadha. Hanfalaan akkuma boqonnaa shan sirna gaa'elaafi boo'ichaa jalatti ibsame, meeshaadaa dubartiin heerumte mudhii ittiin hidhattu ykn jabeeffatuudha. Hanfalaan sirna warroommii keessatti meeshaa safuuti. Intala Rakoon warratti heerumtetti warroomte takka Hanfalaa warra fuudheetu irra jira jedhama. Kanaaf, intalli tun yoomiyyuu jiruunis ta'ee du'aan warra kanaan waamamti. Intalli Rakoon warra tokkotti warroomte takka osoo akkuma carraa warra sanaa deemtee iddoo biraatti lubbuun ishee darbee warruma isheen ganama itti heerumte santu Hanfalaa keenya nuuf kennaa jedhee fuudhatee awwaalata. Hanfalaa keenya nuuf kennaa jechuun intalaafi waan intala fakkaatu nuuf galchaa jechuudha. Kanaaf hanfalaan intala bakka bu'a jechuudha.

Intalli Rakoon warroomte takka osoo akkuma carraa warra ganama itti warroomteen waldhabdeellee bakka biraa kan heerumte ta'ee, warri isheen Rakoon itti warroomte warra isheen biratti miidhamteen Hanfalaa keenyaa nuuf galchaa jedhu. Kanarratti Hanfalaa keenyaa nuuf kennaa jechuun intalli nuti seeraan warroomfanne jiruunis ta'ee du'aan teenyaa nuuf kennaa ni awwaallanna, booyaan galanna jechuudha. Booyaan galanna jechuun akkuma kutaa sirna boo'ichaa jalatti ibsame, boonyiifi gaddi intala tanaa nu ilaallataa Hanfalaan ishee alatti hinhafuu nuuf kennaa jechuudha. Hanfalaan ishee alatti hinhafu jechuun, intala du'aa jireenyi ishee warra ganama Rakoon ishee warroomfate bira malee, warra isheen irraa dhalatteefi guyyaa keessa sababa waldhabdeetiin itti heerumtee miti jechuudha.

Waraqaa kana keessatti waa'een Soodduu boqonnaa afur, shan keessatti ka'eera. Akka boqonnaalee eeraman kanneen keessatti ibsame, Soodduun meeshaadaa asitti awwaalamee nama tokkoo ibsuuf awwaalamarra dhaabbatuudha. Irra caalaa kan dhaabbatus awwaala dhiiraarra.

Darbee darbee malee awwaala dubartiirra hindhaabamu. Meeshaadaa kana kan awwaala abbaarra dhaabu ilma. Kunis, akkuma waraqaa kana boqonnaa afuriifi shan keessatti ibsame, ilmi nama araddaa warrasaarratti hafuun dhaalee warrasaa mul'isuudha jedhama. Kunimmoo akkuma Soodduun awwaala nama tokkorra dhaabbachuun asitti awwaalame nama tokkoo mul'isu, ilmis araddaa warrasaarratti hafuun asturanii warrasaa mul'isa. Asirratti ilmi dhagaa Soodduu awwaala abbaarra dhaabbatee asitti awwaalamee abbaa ibsuun fakkeeeffame. Kunis, akkuma dhagaan Soodduu awwaalarra dhaabbatee asitti awwaalamee namaa mul'isu, ilmis akkanuma araddaa warrasaarratti hafuun dhaalee eenyummaa warrasaa mul'isa jedhama. Kanarraa ka'uun awwaala abbaarras Soodduu kan dhaabu ilma ta'e jechuudha.

Awwaalli Soodduun irra dhaabbatu akka mana jireenya nama tokkoo du'aan booda jiruutti ilaalame. Bakka akka mana jireenyaa nama tokko du'aan boodaatti ilaalamu kanammoo akkuma qa'ee yeroo jireenyaa ilmaan dhaalamtuu waa'een ishee kan ilaallatu ilma. Ilmatu bakka asturee—bakka du'aan duraas ta'ee du'aan boodaa, nama tokkoo ibsu itti aanee, waa'ee ishee xiyyeeffata. Kanaaf, kan jechuun danda'amu, Soodduun kan dhaabbatu dhiiraan kan dhaabbatuufis dhiira. Intalli warra isheetiif Soodduu hindhaabdu. Intalli akkuma araddaa ormaati jedhamtu warrasheetiifis Soodduu dhaabuu hindandeessu jedhama. Homa ibsamuu akkuma ragaa boqonnaa shan kutaa sirna dhalootaa jalatti dhihaaterraa mul'atutti, intalli yoo dhalatte, *'intalli maal namaaf gooti waa Soodduu namaaf dhaabdii'* jedhama. Kanarratti waa Soodduu namaaf dhaabdii kan jedhu waan lamaaf jedhame. Tokko intalli akkuma jedhame araddaa warra isheerratti hafuun dhaaltee asturanii warra ishee mul'isuu hindandeessu. Lammata immoo akkuma araddaa warra isheerratti hafuun eenyummaa warra/gosa ishee itti fufsiisuu hindandeenya, Soodduu asitti awwaalamee namaa ibsu warra/abbaa isheef dhaabuu hindandeessu jechuudha. Akkuma jedhame kan kana gochuu danda'u ilma.

## Boqonnaa Torba

## 7. Sirnoota Marsaa Jireenyaa Oromoo Arsii Dubartii-Dhiira Aangessuurratti: Ilaalcha Araddaa Ofii-Ormaarratti Hundaa'uun

Kutaa kana keessatti gochoonni sirnoota marsaa jireenyaarratti raaw'ataman dhiira ta'uun dubartii ta'uurra filatamaa akka ta'e ibsuun gaheefi bakka dhiiraafi dubartiin hawaasa keessatti qaban akkamiin akka murteessutu ilaalame. Akkaataan ilmaafi intalli ilaalcha araddaa ofii-ormaa jedhurratti hundaa'uun ijaaraman gaheefi hirmaannaa dhiiraafi dubartiin hawaasa keessatti qabaniif bu'ura kan kaa'uudha. Hawaasa keessatti dhalootaarraa qabee ilmi araddaa keenya, intalli oraddaa ormaati jedhamaa wanti intalaaf ta'u kan ilmaatii gadi ta'uun akka dubartoonni ija loogawaa ta'een ilaalamaniifi waan isaaniin malu dhabaniif bu'ura. Kana jechuun ilaalachi oraddaa ofii-ormaa jechu akka maqsaa hawaasaatti kan tajaajilu ta'uu aka agarsiisuudha. Kanumarraa ka'uun boqonnaa kana keessatti dhiiraafi dubartiin hawaasa keessatti gahee akkamii akka bahan, dhimmootaafi sirnoota akkamiirratti hirmaachuu akka danda'aniifi aangoo murtee kennuu kan qabaniifi hinqabne ta'uu dhiheenya maqsaa hawaasaa jedhurratti hundaa'uun ragaaleen deeggaramuun dhihaate. Dabalees, ilaalcha araddaa ofii-ormaa jedhurraa ka'uun namni tokko—keessaayyuu, dubartoonni mataasaaniitiif ilaalcha akkamii akka qabaniifi bakka akkamii akka ofii kennanis ilaalame.

### 7.1. Ilaalcha Araddaa Ofii-Ormaa Hangafummaafi Quxisummaa Ilmaa Intalaa Murteessuurratti

Ilaalcha araddaa ofii-ormaa jedhurratti hundaa'ee, ilmi intalarra nama boru qa'ee teenya dhaalee maqaa keenya waamsisu jechuun waan hundaan dursi isaaf kennama. Umriin dursee dhalachuus baatu hangafummaa argata. Hangafummaa argata jechuun, gochaalee guyyaa dhalootaarraa kaasee hawaasni nama tokkoof gaheefi sadarkaa isaa/ishee agarsiisuuf raaw'atuun (Laes, 2014), dubartiin umrii uumamaatiin dhiiraaf hangafa taatus, akka hangafaatti ilaalamuu dhabdi. Hangafummaa argachuu kan jedhu kun kallattii lamarratti hundaa'ee ilaalama. Inni tokko hangafummaa ilmaafi intalli warra tokkoo waliin qabaniidha. Inni lammataa hangafummaa intalli warra tokkoo haadha warraa obboleessa ishee alaa dhufte waliin qabduudha. Ijoo kana Oromoon Arsii akkamiin akka ibsu yaada afgaafiin argame haa ilaallu.

*Akka aadaa keenyaatti intalli umriinis ilmaaf hangafa taatee dhalattu, boroo/araddaa warraatti bakka warraa bu'ee yaamamuuf hangafummaa kan qabu ilmaafi sababa isaa safuu kan argattu haadha warraasaati. Intala safuun ishee ala; balbala ilaali jedhamtis.* (AFG: Leencoo Jiruu: Aanaa Heexosaa, Waxabajjii, 2013)

Hangafummaa ilmaafi intalli warra tokkorraa dhalatan waliin qaban keessatti warri ilmaaf hangafummaa kennu jechuun, intalli takka warrasheetiif hangafa taatee osoo jirtuu sababuma dubartii taateef qofa ilmi kan harma hodhullee yoo ta'e, qa'ee warraatti safuu hundaan ishee dursee ebelummaa warraa itti fufsiisuuf dhimmootaa, sirnootaafi wantoota warraan walqabatan mararratti gahee qabaachuun hangafa ta'uun dhaala. Kanarratti, ilmaafi intalli qixuma warra tokkorraa dhalatanii ilmi akka dhaalaa araddaa warraatti ilaalama. Intalli immoo ni heerumti ykn araddaa ormaati jedhamuun alatti gadi lakkaa'amti.

Hangafummaa intalli warra tokkoo haadha warraa obboleessa ishee waliin qabdu yoo ilaallu immoo, intalli alaa dhufte takka sababa abbaa warraa ishee fuudheetiin intala ishee manatti dhalatte caalaa qa'ee warra itti heerumteetti hirmaannaa argatti. Akka duudhaa Oromoo Arsiitti, akkuma qorannoo kana boqonnaa shan kutaa sirna gaa'elaa jalatti ibsame, warri gurbaa niitii ilmasaanii kan warroomfatan Rakoo itti qalanii, jaala/miinjee itti bulchaniiti. Kanaaf, warri tokko sababa gurbaa isaanii intala isaanirraa dhalatterra, ishee alaa dhufte sanaaf hangafummaafi gulantaasaanii kennu. Kana jechuun, intalli gurbaan warra tokkoo fuudhe takka intala warri sun dhalche caalaa qa'ee warra sanaa keessatti gahee qabdi; abbaa warraa isheerraatti hundaa'uun waan inni argatu hunda argachuurratti isa hordofuun dursa argatti.

Kana jechuun, intalli tun ijoollee durbaa obbolaa abbaa manaa isheerra warra sanatti haadha karraafi qa'ee taati jechuudha. Ilmi warra kanaa warra sanaaf kan araddaa isaanirratti hafee isaan dhaaluudha waan jedhamuuf, isheenis sababa haadha warraasaa taateef, wanti inni qa'ee warrasaarratti raaw'atu hundi ishee ilaallata jechuudha. Kana jechuun, intalli tun hirmaannaa dur warra isheetti dhabde san akka dhuunfaatti argatti osoo hintaane, ilmi warra kanaa abbaa manaa ishee waan ta'eef, isa hordofuun, qajeelchummaa isaatiin bakka haadha manummaa guutuuf waan abbaan manaa raaw'atu waliin hirmaatti. Asirratti ilaalchi warra isheetti isheef kennamaa ture, kan akka isheen dhimmoota tokko tokkorratti hinhirmaanne godhu, asitti ykn bakka itti heerumtetti, ilaalcha alaa dhufte jedhuun bakka bu'e malee, (6.3. keessatti ilaalame) inuma jira.

Warra irraa dhalatanitti ijoollee dubaraatiin isin gulantaan keessan, bakki seeraarraa qabdan, bakki haadha-seeri itti taatan asii miti ala jedhuuni. Kanaaf, warri yeroo sirnoota hunda raaw'atan, ijoolleen durbaa hangafa ta'an hanga fedhes yoo jiraatan, waan mararratti warratti aanee dursi kan kennamu ijoollee dhiiraa fuudhanii mana kan hingodhatiniifi. Yoo fuudhanii mana godhatan immoo isaanis gulantaa mataasaanii uummachuun sirnootaafi dhimmoota qa'ee warraa keessatti ta'anirratti ijoollee dubaraa caalaa; dabalees, haadholiin warraa isaanii sababa isaanii aantummaa qabaatu. Kana jechuun ijoolleen dhiiraa yoo fuudhanii mana godhatanis, yoo hinfuudhinis araddaa warrasaaniirratti aangoo qabu. Ijoolleen durbaa yoo heerumanis, yoo hinheeruminis araddaa warrarraa dhalatanii keessaa gahee hinqabani. Kan isaan gahe qabaatan sababa abbaa warraasaanii araddaa warra itti heerumanirraayi.

Kanarraa kan hubatamu, dubartiin takka haadha-seeri kan taatu, hangafummaa kan argattu, safuu kan guuttu, gahee kan qabaattu namaa taatee dhalachuun osoo hintaane, yoo heerumteedha. Kana keessatti innis sirnoota osoo ishee hinfuudhin warrasaa biratti gahee keessatti qabaachaa turetti dabalatee, sababa ishee fuudheef, gulantaa mataasaa godhatee abbaa-seer ta'a. Garuu, kan ishee kan isaarraa wanti adda godhu, erga heerumtee gulantaa mataa ishee godhattee haadha-seer taates dhimmootaafi sirnoota hawaasaa adda addaa keessatti hirmaannaa akkuma dhabdeen (7.3. ilaali) itti fufuu isheeti. Fakkeenyaaf, bakka heerumtetti sirnoota abbaan warraashee raaw'aturratti tajaajila kenniti malee wanti ofiif akka haadha dhimmaa takkatti irratti hirmaattu hinjiru. Kana jechuun, dubartiin yoo hinheeruminis, erga heerumtees haalonni adda addaa uumamuun akka sirnootaafi dhimmoota adda addaarraatti gahee hinqabaanne maqfamti jechuudha.

Gama biraatiin ilmi tokko gama ijoollee dhiiraatiin hangafa ta'uufi ta'uu dhabuusaatiin warra dhaaluurratti gahee adda qaba. Akka aadaa Arsitti, ilmi tokko gama ijoollee dhiiraatiin warra tokkoof hangafa yoo ta'e, meeshaalee ulfoofi kabajamoo warraa isatu dhaala. Kanammoo yaada afgaafiin argame ittanurraa haa ilaallu mee.

> *Meeshaalee safuu abbaa kanneen akka eeboo, waantaa, alangee, kooraa, uffataafi meeshaalee ulfoo warraa ilma hangafaatitu fudhata; meeshaalee kanneen seerri ilma hangafaaf kenna. Yeroo tokko tokko meeshaan safuu ilma quxusuufis kennamuu danda'a. Ilma quxusuuf yeroon meeshaaleen kunneen itti kennaman yoo ilmi hangafni*

> *meeshaalee kanneen kan fudhachuu dide ta'e, seerri ilma quxusuuf kenna.* (AFG: Xaawuu Raaboo, Aanaa Diksiis, Sadaasa 2014)

Ilmi hangafni araddaa warrasaati dhaala jechuun, meeshaalee Ulfoofi kabajaas qa'ee warrasaatti dabalee dhaaluun innis akkanumatti ilma isaatiif dabarsa jechuudha. Ilmi hangafni ykn quxusuun araddaa warrasaarratti meeshaalee ulfoofi kabajamoo dhaala jechuun, meeshaaluma kanneen fudhatee taa'a jechuu miti. Meeshaalee kanneenitti dabaluun safuufi sirnoota warrasaa meeshaalee kanaan walqabatanis fudhachuun akka itti fufan taasisa jechuudha. Kun ta'us, yoo ilmi hangafni sababoota garagaraarraa ka'uun dhaala kana kan hinfudhannee ta'emmoo, ittaansee safuun meeshaalee ulfoofi kabajaa kanneen quxusichaaf kenna waan ta'eef, innis meeshaalee kanneen dhaaluun haaluma warri isaa taasisaa turaniin itti fufuun eenyummaa warrasaa itti fufsiisa.

## 7.2. Ilaalcha Araddaa Ofii-Ormaa Gaheefi Hirmaannaa Dubartii-Dhiiraa Murteessuurratti

Duudhaa Oromoo Arsii keessatti, ijjannoon dhiirri araddaa keenya, dubartiin araddaa ormaati jedhu hirmaannaafi gaheen dhiiraa dubartiin sirnootaafi dhimmoota hawaasaa adda addaa keessatti qaban akka adda ta'u taasise. Akka Eagly (1987) jettutti, gaheen hawaasaa dhiiraafi dubartiin akka bahaniif isaanirraa eegamu kan adda ta'e, kan ogummaa addaa barbaaduufi amala isaaniirrattis dhiibbaa qabuudha. Darbees, bakka dhiiraafi dubartiin hawaasa keessatti qaban kan murteessuudha. Warri dhiiraa hojiilee manaan alaa hawaasa keessatti ija gaariin ilaalaman kanneen nyaata maatii tokkoo danda'uuf oolan: qonna qotuu, horii horsiisuufi kkf akka hojjetaniifi sirnoota hawaasaa murteessoo ta'an keessatti hirmaannaafi gahee akka qabaatan taasise (Eagly 1987; Eagly and Wood, 1999). Darbees, hojiileen akka bulchuu, too'achuu, ajajuufi kkf laatamuun isaaniis ta'ee hojiileen isaanii beekamtii argatani (Breines, Connell and Eide, 2000). Gaheen hojii dhiiraa karraan oli kan dubartii karraan gadi jedhamus, dubartoonni hojiilee manaan alaa kan dhiiraa qofa jedhamaniirratti yoo hirmaatan mul'ata. Kanaas ragaa armaan gadii karaa afgaafii argamerraa ilaaluun ni danda'ama.

> *Hirmaannaan dhiiraafi dubartii akka aadaa keenyaatti adda; dhiirri bahee qota dubartiin qonnaa hindhaqxu, manuma hojjetti jedhamus garuu, hirmaannaan dubartii alaa mana. Dubartoonni addumatti osoo dhiira hinmakatin yeroo qonnaa, aramaa, haamaa daboo waliin bahanii sirbaan walbohaarsaa walgargaaruun hojjatu. Dhiirrimmoo hojii mana keessaa hinhojjetu; dhiirri mana hojjechuun qaaniidha*

> *jedhama. Isheenimmoo erga ganama itilleerraa kaate gadi hinteessu; jalqabarratti isaafi maatiif dhihana gooti. Hojiilee mana keessaa hedduu hojjatti. Abbaan warraa immoo dhihanaaf gala; dhihanni ni kennamaafi. Inni yeroo dhihanaaf galu boqannaa argata. Isheen boqonnaa homaa hinqabdu, guyyaa guutuu akkuma alaa manaa hojjetetti ooltee galgaluma itilleerra gadi ciifti. Ilmaan deessi, ni guddifti, akkitti dahanii guddisan fagoodha. Haa ta'uutii Rabbi dubartiif waan fagoo kana dhiheesse, waan jabaa laaffiseefii keessa baase. Dubartiin dandeessuudha; waa danda'o eenyu? Yoo jedhame waa danda'o dubartiidha. Dubartiin ibsituudha; manni dubartiin keessa jirre waa ifaaree? Hinifu.* (AFG: Ashoo Tongolaa: Aanaa Heexosaa, Waxabajjii, 2013)

Gaheen dhiirtiifi dubartiin hawaasa keessatti akka bahaniif kenname, kan dhiiraa manaan alaafi kan dubartii immoo manaafi naannoo manaatti kan daanga'e jedhamus, dubartoonni hojiilee manaan alaa abboonni nyaata maatii guutuuf hojjetan keessattis yoo gahee bahan mul'ata. Kun kan agarsiisu, ittigaafatamummaan dubartii dachaa—alaayis manaayis ta'uudha. Gama dubartiitiin kun jiraatuus, dhiirri akka dubartiin ala baatu oldeebi'ee mana keessa hojjechuun akka fafaatti ilaalama. Mana keessa hojjechuu mitii nyaatuma haati warraa qopheessiteeyyuu yoo isheen mana hinjirree fudhatee nyaachuun qaanii itti ta'a. Kan kana ibsuu eebba abbaan warra tokko aadaa Arsii keessatti eebbifatu kan yeroo afgaafii argame ilaaluun ni danda'ama. Innis: *'Yaa Waaq haadha warraa tiyya dura leemmatii nan buqqifachiisin*' kan jedhuudha. Kunis, ilaalcha hawaasaa golli kan dubartiitti; dhiirri gola seenuun safuudha jedhuurraa dhufe. Kanaaf, dhiirri gola dubartii seenuun fafa, *'Yaa Waaq'* gola dubartiitti olnan dabarsin, safuu nandabsin jedhee bakka deemu hundaatti Waaqa kadhata. Osuma akkana jedhamuu kana bira darbee dhiirri haadha ykn haadha warraasaa gargaaru yoo jiraatee bakka maratti maqaa itti baasanii sirbaafi haala garagaraatiin arrabsu. Fakkeenyaaf:

> *Osoo dhiirri hojii mana keessaa dubartii gargaaree bakka hundatti taa'iifi ka'ii isa dhoorkanii maqaa itti baasu. Fakkeenyaaf, bakka dhiira waliin oolu dhaqetti akka tasaa yoo namaan waldhabe 'beertittii beeraaf eelee gootu, beertittii beerri eelee si tolchisiiffattu, kan sumsumaa jalaa hinbaane' jechuun arrabsu.* (AFG: Sayid Abdoo, Aanaa Heexosaa, Waxabajjii 2013)

Dhiirri mana keessa dalaguun akka dubartiin ala bahuun dalagdu salphaatti kan ilaalamu miti. Dalagaan dubartiin manatti dalagdu ijuma dubartiin ittiin ilaalamtuu ilaalama waan ta'eef, dhiirri oldeebi'ee mana keessa dalage ijaa tuffiitiifi akka haati warraa isa bulchituutti ilaalama. Faallaa kanammoo yoo dubartiin ala bahee hojiilee gahee dhiiraati jedhaman kan hojjetu ta'e, ebulu ykn

haati warraa ebeluu dhiira jedhamuun jajamti. Haalli dhiirri mana keessa hojjeteef tuffatamuufi dubartiin ala baateef jajamtu dhiirriifi hojiin dhiiraa ija kabajaatiin kan ilaalaman ta'uu ibsa.

Ragaa afgaafii Ashoo jalatti akka ka'etti, gaheen hawaasa keessatti akka dubartiin baattuuf kennameef guddaafi ulfaataadha. Ta'us, dubartiin haala ulfaataa afgaaficharraa mul'atu, malumaafi ogummumaan keessa darbuun jireenya maatiisheef ibsituu taate. Egaa haaluma akkanaa kanarraa ka'uun yeroo tokko tokko akkuma aadaafi duudhaatti dubartiin dhiira caalaa gamna, mala qabdi, beektuudha itti jedhamu jira. Fakkeenyaaf, dubartiin nama jireenya keessatti malan bultu jedhamtee kan ibsamtu ta'uu mammaaksa marii garee xiyyeeffannoo Aanaa Muunessaatti taasifame keessaa fudhatame kan *'Humna bishaanii, mala dubartii siif haa kennu'* jedhuurraa ilaaluun ni danda'ama. As keessatti ogummaan/malli dubartiin qabdu, namaan osoo hintaane, bishaan humna guddaa qabu, kan yoo fedhe addunyaa tana diiguu danda'uun madaalame. Haata'u malee, osuma jedhanuu ogummaafi gamnummaashee kana akka hanqina qabutti ibsu. Beekumsi dubartiin haala ulfaataa keessa ittiin dabartu akka afgaafiin ittaanu kun ibsutti, akka beekumsa gatii qabuutti hinlakkaa'amu.

> *Beekumsa dubartii akka guutuu ta'eetti hinfudhatani. Fakkeenyaaf, mammaaksota adda addaa kanneen akka 'dubartiin gamna, gamnummaanshee mataan loxeedha' jedhu. Kuni beekumsiifi ogummaan dubartii guutuu miti jechuuf jedhama. Kunis, 'akkuma addeessi ifaadha, garuu wanti halkanii keessuma jira' jedhamu, dubartiin gamnuma garuu wanti dubartoomaa inuma keessa jira' jedhamu san jechuudha. 'Dubartiin lama hinbeektu takka hinwallaaltu' jedhu. Kana jechuun, waanuma galfattee itti qajeelte tokko sirrii gootee amantii malee duraa duuba ilaaltee, fageessitee murteessuu hindandeessu jechuufi. (Muhaammad Aadam: Aanaa Heexosaa: Adoolessa, 2013)*

Yaada afgaafii kanarraa wanti ifu, beekumsi dubartii akka beekumsa guutuu ta'eetti kan hinlakkaa'mneefi beekamtii kan hinarganne ta'uudha. Fakkeenyaaf, mammaaksa afgaaficha keessatti ka'e kan *'dubartiin gamna garuummoo gamnummaa ishee mataan loxeedha'* jedhuun wanti ibsame, beekumsi dubartii bal'ina hinqabu jedhamee kan fudhatamu ta'uudha. Beekumsi ishee mataan loxee ta'uun, akkuma waan loxee, qara qabuufi waan bakka bal'aa hinuffisnee bakkumti tokko ittiin waraanamuu, beekumsa dubartiis akka beekumsa dhiiraa wanti bal'aan ittiin hindalagamu; rakkoo guddaan ittiin hinhiikamu; jijjiiramni guddaan ittiin hindhufu jedhama. Afgaafii kana keessatti mammaaksi *'addeessi ifaadha, garuu wanti halkanii keessuma jira, dubartiin gamnuma garuu wanti dubartoomaa inuma keessa jira'* jedhuufi mammaaksi

*'Dubartiin lama hinbeektu takka hinawallaaltu'* jedhu, beekumsi dubartii hanga kan dhiiraa kan hingeenye ta'uu ibsa. Kunis, dubartiin gamnummaa osuma qabduu garuu wanti dubartoomaa inuma irraa calaqqisa' jedhanii amanu.

Yaada kanarraa kan hubatamu, akka ijaarsa duudhaa hawaasaatti, dubartoomni kan eenyummaa beekumsa guutuu ta'e hinqabne akka ta'eedha. Dubartoomni eenyummaa beekumsa guutuu qabu erga hintaanee immoo qaama biraan too'atamuu qaba; gargaarsa qaama biraa argachuu qaba jechuudha. Yaada beekumsi dubartii tajaajila kennuuf gargaarsa biraa argachuu qaba jedhurratti, kan silaa uumamaan namni kamuu adda jiraachuu hidanda'u jedhamu, ijaarsa dubartooma jedhurratti hundaa'uun akka dubartiin qofti adda jiraachuu hindandeenye, beekumsi ishee tajaajila guddaa kennuu hindandeenyeetti fudhatame. Kunimmoo kanarraa ka'uu hawaasa keessatti dubartiin walqabatee ilaalchi dubartiin too'atamuu, qajeelfamuufi kkf qabdi jedhu kan ijaarame ta'uu agarsiisa. Kanaan walqabatee yaadni hawaasaa maal akka fakkaatu ragaan afgaafiin argame ittaanu haa ilaallu.

> *Dubartiin hayyama dhirsaan ala gara alaa baatee bakka adda addaarratti hirmaattee argamuu hinqabdu; ajajasaatiin bulti. Dubartiin ofiin ofeeguu hinbeektu. Kanaaf, eegamuu, xixamuu qabdi. Dubartiifi harreen ala turraan rakkootu uumama waan ta'eef, 'Dubartiifi harreen yeroon alaa galuu qabu' jedhama mitiiree? Yoo dhiirri hintoo'atin dubartiin quuftee alaa hingaltu. Quufuu hinqabdu, gaqqabamuu qabdi. Fakkeenyaaf, mammaaksaan 'dubartiin quufte booya harreeti deemti' jedhama. Dubartiin yoo nama ishee too'atu hinqabne waanuma ta'uufi ta'uu hinqabnee adda hinbaaftu.* (AFG: Abdoo Fayyisaa, Aanaa Muunessaa, Waxabajjii, 2014)

Ragaa olii kanarratti dubartiin kan ibsamte akka dhala namaa yaaduufi xiinxaluu dandeessuu takkaattii miti. Dubartiin waan ofiin oftoo'attee yeroon alaa galuu hinbeekneef, too'atamuu, gadiqabamuufi xixamuun quufuu akka hinqabnetu ibsame. Kun ta'uu baannaan isheenis akkuma beellada manaa harree jedhamtuu san miidhaa irra gahu ofirraa qolachuu waan hindandeenyeef, akkuma harreen yoo ala turte waraabessi nyaatu, dubartiinis ala turuun rakkoo akka ta'etti yaadama. Yoo too'atamtee gaqqabamuu baattee quuftee waan hawaasa keessatti ta'uu hinqabne, fakkeenyaaf, akka waan dubartiin waan aadaa hawaasaa keessatti fudhatama hinqabne, boo'a harree fa'an dhaqa jettu wayii mammaaksa fakkeenya fudhachuun ibsame. Kanumaan haalliifi ilaalchi kun oolaa bulii hawaasaa keessatti guyyaa guyyaan gama mammaaksaafi wantoota biroo mul'achuun, jiruu jireenyi hawaasaas modeela kanarratti akka hundaa'u ta'e.

Beekumsiifi ogummaan dubartii akkarra dibamu wanti barbaachiseef, akka ragaaleen mul'isanitti, addunyaa sirna bulchiinsa dhiiraa, dhiiraaf dursa kennitu keessatti gareen olaantummaa barbaadu dubartiin naa oltaatee na moo'atti yaada jedhurraayi. Abbaan warraa tokko haati warraasaa isaan qixa kan baatu, kan dubbatu, kan sochootu yoo ta'e, na moo'atti, na bulchiti, na xixxi, gadi naqabdi jedhee yaaduu danda'a. Hawaasnis akkanuma jechuunii mala. Kanaaf, akka isheen gadi baatee wantoota adda addaarratti hirmaattu hinfedhu. Gama aadaafi duudhaatiin, dubartiin takka dhimmoota hawaasaa adda addaarratti kan hirmaattu yoo ta'e, akka fakkeenyaatti fudhatamuun akka haadha warraa/niitii ebeluu jedhamuun dubartoonni biraa akka ishee akka hindubbanne, hinhirmaanne, akka hintaane ittiin sodaachifamu/taasifamu. Kunis bifa mammaaksaa, sirbaa, jechamaafi kkf ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf, **mammaaksaan:**

*Dubartiin golatti malee alatti miti*
*Dubartiin ala barte manaa hintaatu, isheen bakka teettee hinkaatu*
*Dubartiin dhirsa mootu manaayyuu galtee waa hingootu*

**Sirbaan:** *Harrittaa murtee karrarraa gootee*
*Likkii hinbeektuu niitiin dhirsa mootee* (Gishuu Kadiir: Aanaa Heexosaa, Waxabajjii, 2013)

Mammaaksichaan ergaan darbe dubartiin hojiilee karraan gadiirratti yoo hirmaatte, waan gahee ishee ta'e bahuu dhiisti; namummaa dubartii tokkoorraa eegamu akka dhabdeefi dhirsa akka moo'atteetti fudhatamti. Sirbichaan immoo akkuma dubartiin qaama biraan yoo too'atamte malee, ofiin waan tokko akka ta'uu qabuun gochuu hindandeessu jedhamu, niitiin dhirsaan qixa bulti ykn moote jedhamtu takka daangaa kan hinbeekne ta'uutu ibsame. Kanaafuu, dubartiin gochaalee niitiin dhirsa moote jechisiisan: dhimmoota manaan alaarratti hirmaachuu, dubbachuufi kkf irraa ofqusattee karraan olitti ajaja dhirsaatiin buluu qabdi. Kunimmoo akka dubartiin wantoota dhuunfaa, mana keessaafi guddisa/kunuunsa daa'immanii malee, dhimmootaafi sirnoota hawaasaa gurguddoorratti hirmaannaafi gahee hinqabaanne maqsuun, dhiiraaf carraa bane (Allanana, 2013). Abboonniifi haawwonni akka ibsanitti, dubartiin sirnootaafi dhimmoota hawaasaa jajjaboorratti hirmaannaa dhabuun immoo muuxannoo malee ishee hanbisuun beekumsa hinqabdu akka jedhamtu godhe.

Kana jechuun, durarratti dubartiin ilaalcha araddaa ofii-ormaa jedhu kan dhiiraaf dursa kennuurratti hundaa'uun, hirmaannaafi gahee akka hinqabaanne maqsamaa turte. Ittaansee

immoo bu’aan sababa maqsaatiin isheerra gahe dhimma biroof oole. Kunis, kan dubartoonni waan ykn ogummaafi dandeettii sababa maqsaa hawaasaatiin dhaban deebi’anii ittiin komataman jechuudha. Kanas loogii gooroowwan fokloorii (duudhaa hawaasaa) keessa jiru gaalee “blaming the victim”—miidhamtoota komachuu jedhu Schaefer & Lamm (1995) Ryan’s (1976) eeruun kaa’anirratti hundaa’uun ibsuun nidanda’ama. Innis, namoonni tokko tokko rakkoo walqixxummaa ykn ga’umsa dhabuu, kan silaa ka’umsa rakkichaa gama aadaa, hawaasaa, diinagdeefi kkf wantoota sababa ta’an barbaaduu qaban, garuu isaan deebisanii akka waan garichi uumamaan rakkoo qabuutti, isumarra hanqina barbaaduun komatani. Egaa kanarraa yaadni ifu, wanti dura dubartiin akkamitti kana gooti, kana gochuu hinqabdu jedhame akka safuutti lakkaa’amu, deebi’ee meeshaa ‘dubartiin kana raaw’achuu hindandeessu, homaa namaaf hingootu’ jedhamuun ittiin komatamtu kan ta’e ta’uudha.

### 7.3. Ilaalcha Araddaa Ofii-Ormaa Aangoo Murtee Kennuu Nama Gonfachiisuurratti

Ilaalchi dubartiin araddaa ormaati, dhiirri araddaa warraati jedhu bakka, gaheefi aangoo dhiiraafi dubartiin hawaasa keessatti qaban murteessaafi adda baasaa deeme. Dhiirri dhimmoota hawaasaa gurguddoofi beekamoo ta’anirratti akka hirmaatuuf carraa kenneefi. Dubartii immoo balbalaan olitti daangessuun manaafi naannoo manaatti hambise. Fakkeenyaaf, dubartiin jaarsummaa teessee nama araarsuu, gumaa baasuu hindandeessu; saddeeta dhaabbattee fuusiftee hinheerumsiiftu ykn dhimmoota akkanaa kanneenirratti murtee kennuu hindandeessu. Hirmaannaa dubartoonni sirnoota murtee kennuu barbaadanirratti qabaniin walqabatee akka Oromoo qofatti osoo hintaane, akka Breines, Connell & Eide, (2000) UNDP, (1995) fi (1996) eeruun ka’aniitti, akkuma addunyaattuu dhimma murtee kennuun walqabatee dubartoonni gahee kana jedhamu hinqabani. Haalli kunimmoo adeemsa garee tokko maqsu ta’uusaatiin haala qabatamaa jaarraa 21ffaa waliin deemu ta’uu dhiisuu mala.

Sirnoonni akkanaa kunneen sirnoota hawaasaa gurguddoodha. Dubartiin immoo sirnoota akkanaa kanneenirratti gahee qabaachuun ilaalcha dubartiin hawaasa keessatti qabdurraa kan ka’e, akka sirnicha xiqqeessuu fa’atti ilaalamuu mala. Kanaan walqabatee wanti Breines, Connell & Eide, (2000: 40) kaasan: “…dimension has to do with what people think of you. If people think poorly of you, you have a low level of prestige. If men think poorly of women, if men

regard women as different as well as of lower value…" kan jedhuudha. Ibsi yaada kanaas, kanaan walqabatee wanti jiru waan namoonni siin walqabatee yaadaniidha. Yoo namoonni siin walqabatee akka gadaanaatti kan yaadan ta'e, ati bakka gadaanaa qabaatta. Haaluma kanaan yoo hawaasni dubartootaan walqabatee akka gadaanaatti kan yaadu ta'e, wanti ta'u kanuma. Akkuma kana wanti duudhaa hawaasaa Oromoo Arsii keessa jirus kanuma fakkaata. Jalqabarratti, ilaalchi dubartii yoo qa'ee warraa jirtu isheen araddaa ormaatti kana hintaatu/hindandeessu jedhamuun ijaarame dubartii akka maqsamtu taasise. Kanaaf, maqsaan hawaasa keessatti wantoota akka koornayaa, sanyiifi kkf bu'ureeffachuun, garichi hawaasaan akka gadaanaatti ilaalamee, ofiis ofilaalee hawaasaarraa adda ofbaasuun murteewwan barbaachisoo hawaasaarraa akka maqsu taasisa (Rawal, 2008). Ittaansee immoo haalli kun dubartoonni sirnoota gurguddoo hawaasaa kanneen jedhamanirratti akka gahee dhabaniif ulaa bane.

Haawwan sirnoota hawaasaarraa kan maqsaman ta'uu raaw'iilee sirnoota garagaraarraa kan mul'atuudha. Kanneen keessaa tokko Sirna Gumaa ta'uu daaw'annaa Sirna Gumaa baasuu Aanaa Heexosaatti 24/09/14 taasifamerraa hubatameera. Afgaafii yeroo daaw'annaa manguddoo akka Arsiitti Sirna Gumaa baasuutiin beekaman, kan maqaansaanii Ahmed Galatoo Kaawoo (Abbaa Arsii) jedhaman waliin taasifamerraa akka adda hubatametti, dubartiin Gumaa baasuurratti Halangee qabattee/facaaftee murtee hinkennitu; hindubbattusi. Daaw'annaa taasifamerraa akka mul'atutti, haawwan Sirna Gumaa baasuu keessatti argamuun akka abbootaa gahee murtee kennuu hinqabani. Yaada kana Abbaa Arsiis dabalatee abbootiin yaada naaf kennan biroo akka ibsanitti, dubartiin Alangee hinqabatu; alangee facaaftee murtee hinkennitu. Kanaaf, sirnoota murtee kennuu barbaadan kanneen akka nama araarsuu, saddeeta dhaabbachuufi kkf irratti gahee hinqabani. Gumaas dabalatee sirnootaafi dhimmoota keessatti dubbii fixuun murtee dabarsuurratti gahee kan qabu abbootiidha. Dabalataanis, dubartoonni sirnoota hawaasaarratti akka hinhirmaanne ykn gahee dhabuun kanirraa ittifaman/maqsaman ta'uu yaada itti aanee jiru kanarraa ilaaluun ni danda'ama.

> *Haati abbaan manaa irraa du'e takka gurbaa isheetti fuudhuuf gaafa jaarsoliin saddeeta deeman hordoftee faana dhuftee ture. Kan isheen hordoftee dhufteefis obboleessa ishee eessumma gurbaafi firoottan gurbaati. Yeroo kana erga haati gurbaafi jaarsoliin warra intalaa gahanii booda jaarsoliin saddeeta dhufan kunneen haadha gurbaa ofbiratti agarraan takkaa nutu gala ykn situ gala nuti si waliin saddeeta ykn safuu hinteenyu jedhanii haadha gurbaa saddeetarraa ari'ani. Osoo warri gurbaa*

> *baasanii dubbachuu baatanii nutis waan dubartii waliin saddeeta teenyu natti hinfakkaatu ture* (AFG: Taarikuu Hordofaa: Aanaa Heexosaa, Waxabbajjii: 2013).

Kanarratti, haati gurbaa (dubartiin) saddeeta dhaquun kun akka duudhaan cabetti ilaalame; dur hinjirreen dhalatte, kun fafa—Faantuudha jedhame. Sirna fuudhaa heerumaarratti kan fuudhu gurbaa, kan heeruma micayyoodha. Sirnichi adeemsifamuuf gurbaan fuudhuufi intalli heerumtu qixuma barbaachisu. Garuummoo kan sirnicharratti abbaa dhimmaa (jaarsa) ta'ee dhimmicha adeemsisuun murtee kennu dhiira. Dubartiin sirnuma waa'ee isheerrattuu hirmaattee murtee ofii ofiin murteeffachuu, ofiif dubbachuu hindandeessu; dhiiratu waa'eeshee murteessaafi. Yaadni Jalata (2019) Oromoo Gujiirratti hundaa'uun dubartoonni sirnoota hawaasaa adda addaarratti qaamaan bahanii hirmaachuu hindanda'ani; hirmaannaan/gaheen dubartoonni sirnoota keessatti qaban yoo heerumuu baatan gama abbaatiin, yoo heeruman immoo gama abbaa warraatiin Bahama jechuun kaa'es kanuma kan mirkaneessuudha. Kanarratti yaadni kanaan walqabatu kan Aanaa Muunessaatti yeroo marii garee xiyyeeffannoo ka'e jira. Innis hirmaatota garee keessaa namni waajjira mootummaatti gahee qabu muudannoo gaafa ayyaanni dubartootaa (March 8) kabajamu isa muudate ibsuun eegale. Muudannoon isaas:

> *Gaafa ayyaanni dubartoota akka Aanaa Muunessaatti kabajamu, itti gaafatamtuun dhimma dubartootaa, kan silaa dubartiin akka aadaatti sirna tokkorratti eebbisuu hindandeenye guyyaa kana eebba taasiste. Kunimmoo ija namoota hedduutiin akka aadaafi safuun hawaasaa cabeetti lakkaa'ame; faantuudha/faanatu bahe jedhame* (MGX: Aanaa Muunessaa, Waxabajjii, 2014).

Ergaan MGX irratti ka'e kun akkuma boqonnuma kana gara oliitti ibsamaa ture, ijaarsa gama aadaafi duudhaatiin ijaaramee jiru, kan dhiiraaf dursa kennee dubartii lammaffaarra ka'uudha. Kuins, yaadichi ka'e kun kan agarsiisu, ijaarsi hawaasaa aadaa keessa jiru sochii yeroo ammaa rakkoo hawaasaa hiikuuf taasifamurratti dhiibbaa kan qabu ta'uusaati. Sochiin faantuudha/faanatu bahe jedhame kun tarii amma dura ijaarsa duudhaa keessa waan hinjirreef ammaaf haala kanaan ilaalame ta'a. Garuu, haallicha gama sochii namoota mirga isaanii gaafachaa jiraniitiin yoo ilaalamu ijaarsi kun yeroo booda dhaloota ammaatiin gaaffii keessa waan galuuudha; galaa jirasi.

Haata'u malee, gamuma aadaatiin yeroo tokko tokko dhimmoota akka dhimma armaan olii kanaan walfakkeenya qabanirratti yeroon itti dubartiin akka gahee qabaattu/hirmaattu taasifamu

jira. Ragaan argame akka mul'isutti, dhimmoota dubartiin akka gahee keessatti qabaattu taasifamu keessaa tokko gaa'ela. Gaa'elarratti dubartiin kan hirmaattus yoo dhimmicharratti akka hirmaattuf dirqama ta'e; fakkeenyaa, yoo abbaan gurbaa ykn kan abbaan warraa irraa du'e taateedha. Kunis, akka ragaa armaan gadii karaa afgaafii argamerraa ilaaluun danda'amu, dubartiin takka (haati gurbaa) yeroo fuudhaa heerumaa yoo jalqaba intalli kadhatamtu warri intalaa akka intala hindhoowwaneef, dhaqxee dhimmicha warra intalaa waliin keessa keessa akka fixxu taasifama.

> *Dubartiin durba kadhaa ni dhaqxi; kan dhaqxus yoo abbaan warraa irraa du'e taatee ilmi fuudha ga'eedha. Isheenis margaafi siinqee qabattee qa'ee warra intalaa dhaqxee dhaabbatti. Warri intalaas dhimma isheen dhaqxeef erga baranii tole jedhanii hayyuun/jaarsaan nu bari jedhuuni. Akka safuu keenyaatti, wanti dubartiin dhaqxee dhabdu hinjiru. Fakkeenyaaf, dubbii jaarsummaan dhumuu didde takka dubartii itti erganii ijibbaata gahu. 'Horiin dubartiin dhaqxee dhabde takkaa namichatu hinjirre, takka horumatu hinjirre' jedhama. (Baalchaa Tufaa: Aanaa Heexosaa, Waxabajjii, 2013)*

Kanarraa kan hubatamu, dubartiin abbaan warra irraa du'e takka yoo ilmi ishee fuudha ga'e, warri intalaa intala na dhoowwatan jettee yoo yaadde, warri intalaa akka intala kennaniif dursitee saddeetaan dura dhaqxee dubbii karaa akka qabsiistuudha. Haata'u malee, immoo isheen akkuma ragicha keessatti jedhame, dubbii karaa alidilee ta'een fixxi malee, akka abbootii san sirnaan karaa seera qabeessaafi ifa ta'een saddeeta dhaabbachuu hindandeessu. Tarii asirratti wanti haati gurbaa Siinqeefi marga qabattee warra intalaa dhaqxuuf, ilaalcha dubartii namni waa hindhoowwatu: *'Horiin dubartiin dhaqxe dhabde takkaa namichatu hinjirre, takka horumatu hinjirre'* jedhu kanaan waan barbaaddu galmaan gahuuf ta'a. Yaada kana keessa dubartii garaa itti jabaatanii waa hindhoorkatan ilaalcha jedhutu jira. Wanti dubartiitti garaa hinjabaatan jedhamuuf, akka hubannaa hawaasaatti dubartiin uumamaan gara-laaftuu ykn hanfallaaftuudha waan jedhamtuufi (Mata-duree hanfallaafummaa jedhu 7.4. ilaali). Kanaaf, dubartiin akkuma ofii gara-laafettii taate, dhimmi baateef tokkos laafaa ta'uufiidhaan xumurameefii galti jedhamee yaadamuun, waan furmaata dhabe tokko akka hiiktu taasifamti. Haati gurbaa ilaalcha kanarratti hundaa'uun warra intala gurbaan ishee fuudhuu barbaaduu dhaquun dursitee dubbii fixxee booda sirnaaf jaarsolee ergiti malee bakka sirnaa san guutuuf miti.

Kanumaan walqabatee, dubartiin takka osoo nama waldhabe araarsitee akka isheen araarsiteetti hinfudhatamu. Nama dhiiraa naannoo jiru, fakkeenyaaf ijoolleellee haa ta'uu: ilma dubartiin sun deesse fa'a ta'uu mala, dubbii dubartiin fixxe sana akka gurbaan kun fixeetti fudhachuun mucicha murtee kennisiisuun dubartiin aangoo murtee kennuu kan hinqabe ta'uu ittiin agarsiisu. Kanas, yaada marii garee keeesatti ka'e kan ittaanu kanarraa hubachuu dandeenya.

> *Dubartiin dhimmoota mana keessaa malee akka dhiiraa alangee facaaftee murtee kennuun namoota waldhaban araarsu, gumaa baasuu hindandeessu. Wanti dubartiin kana godhuu dadhabduuf dubartiif sirnatu hinkennini. Haa ta'uu sirnatu hinkennin jedhu malee namumatu dhoorkate. Dubartiin wantoota akkanaa kanneen raaw'achuuf beekumsa bal'aa hinqabdu fa'a jedhu. Kanas 'dubartiin lama hinbeektu takka hinwallaaltu' jechuun ibsu. Fakkeenyaaf, anumti dhirsaafi niitii wallolte araarse. Yoo ani araarsu dubbii ani fixe ana dhiisanii* gurbaa *an dahe kan quxuusuutti dabarsan. Maaf dubbii ani fixe daa'iman ani daheef dabarsitan jedhee yoon gaafadhu siif seerri hinkennu; ati alaa dhufte naan jedhani'. Maaliif kana godhu beektaa? Murtiin albee caala nama murti; Aadde Ashoon alaa dhufte waan ta'eef, bakka aangoo irraa hinqabne keessatti kana gochuu hindandeessu jedhamte. Dubartiin kana gochuu hindandeessu yoo jedhan:*
>
> *'Dubartiin dhiira deessi malee* way *dhiira geetii*
> *Dubartiin beekaa deessi malee beekaa hingeessu' nuun jedhani. (*MGX: Aanaa Heexosaa, Waxabajjii, 2013)

Egaa kanarratti murtee kennuuf jalqabarratti kan sirni namaaf kennu ta'uu barbaachisa. Sirnatu hinkennin jechuun dubartiin alangee qabattee murtii kennuuf jalqabuma hintaa'iniif ykn hinkennaminiif jedhamuu amanama jechuudha. Isheen murtee kennamu fudhatti malee kennuun fudhachiisuu hindadeessu; beekumsa kana gochuuf ishee dandeessisu hinqabdu: '*dubartiin lama hinbeektu takka hinwallaaltu'* jechuun jala sararanii ka'ani. Asirratti dubartiin lama hinbeektu takka hinwallaaltu jechuun, dubartiin waanuma takkittii qabattee deemti malee, dubbii duraa duuba qabdee fageessitee hinilaaltu, faayidaafi miidhaa waan tokkoo sirritti madaaltee hinilaaltu kan jedhuudha. Beekumsi dubartii dirqamatti dhiira olcaalee akka argamu hinbarbaadamu waan ta'eef, dubbii haati xumurte ilma isheef kennani. *'Dubartiin dhiira deetti malee waa dhiira geettii?'* jechuun garaagarummaan nama kamuu gidduu jiraachuu akka danda'u dhiisanii, dhiirri akka ishee olta'etti akka ofmadaalu, isheen immoo akka isaa gadiitti akka ofmadaaltu ishees, isas, hawaasaas amansiisanii jiru.

Homa ta'es ta'u murtee kennuun, hoodhu jedhee fudhachiisuun kan dhiiraati malee, kan dubartii miti jedhamee akka duudhaa hawaasaatti mirkanaa'eera. Yaada kana caalaatti ifa gochuuf, mammaaksa karaa afgaafii argameefi sirna bulchiinsa dhiiraa ibsu kan *'abbaan manaa mataa manaati'* jedhu fudhachuu dandeenya. Kana keessatti akka aadaatti, mataa jechuun qaama murtee kennuuf aangoo qabu, olaanaa ta'e, kan yaadnisaa fudhatama argatu jechuudha. Dubartiin fakkeenya ofii maricharratti kaafte tun jalqabarratti, namoota waldhaban araarsitee jirti. Garuummoo, warri dhiiraa dhimma kana keessa boodarra dhufan akkamitti murteen dubartiin kennite fudhatama? kan jedhamurraa ka'uun waanuma dur akka dubartiin dhimmoota adda addaarratti akka hinhirmaanneef itti fayyadamaa turan *'ati alaa dhufte'* kan jedhu kaasuun, murtii ilma isheef kennan.

Kanarratti wanti akka duudhaa hawaasaatti beekamu, dubartiin osoon heerumin gaafa mana warrashee jirtu, akka waan yoo heerumte dhimmootta adda addaarratti hirmaachuu dandeessuu, akka isheen dhimmoota adda addaarratti hinhirmaanne, kan kee gulantaan asii miti, ati araddaa ormaati, balbala ilaali jechaanii  maqsaa turan. Gaafa bakka itti heerumte dhaqxetti immoo, akkuma yaada marii gareerraa mul'atu, *'ati alaa dhuftee'* nama araarsitee murtee kennuu hindandeessu, seerri siif hinkennu jedhamuun maqsamti. Haalli akkanaa kun kan agarsiisu, dubartiin bakka itti dhalattettis ta'ee iddoo itti heerumtetti sirnoota adda addaarratti akka hirmaanne haalli akkanaa kun faayidaarra oolee carraalee hunda kan cufu ta'uudha.

### 7.4. Ilaalcha Araddaa Ofii-Ormaafi Hanfallaafummaa

Ilaalcha araddaa ofii-ormaa jedhu keessatti maatiin ijoollee dhiiraafi dubartii qabu tokko, ilma ofitti qabaafi intala immoo ofirraa fageessaa kan deemu ta'uu yaada boqonnuma kana kutaalee gara olii jalatti ka'e keessatti ibsameera. Wanti ilmoo dubaraa caalaa kan dhiiraa leellisaniifi ofitti dhiheessaniif ijjannoo intalli heerumaan baatee araddaa ormaa taati, akka dhiiraa qa'ee keenyatti haftee nuuf homaa hingootu jedhurraayi. Ijjannoo kanarraa ka'uun dubartoonni dhimmootaafi sirnoota hawaasaa adda addaa kan maqan ta'uus boqonumma kana keessatti ilaalameera. Kun haata'u malee, dubartoonni sababa *'Hanfallaafummaa'* jedhuun, sirnoota tokko tokkorratti yoo sirnoonni kunneen raaw'atama dura bu'anii yoo dursan mul'ata. Sirnoota yoo raaw'ataman dubartoonni dura bu'anii dursan keessaa tokko Irreecha.

Akkuma boqonnaa kutaa 4.4. jalatti ibsame Oromoon Arsii haaluma Oromoota godinoota biroo keessa jiranii, Waqtii Birraafi Afraasaa Malkaafi Tulluutti bahee Irreenfachuun Waaqaaf galata galcha. Akkuma guutuu Oromiyaa keessatti beekamu Irreecha Tulluu (Afraasaa) caalaa Irreecha Malkaatu (Birraa) haala hoo'aa ta'eefi bal'ina qabuun kabajama. Irreecha Birraa Fulbaana 28/2014 Godina Arsii A/Heexosaa Malkaa Booruutti irreeffatamerratti argamuun akka daaw'atametti, dhiiraafi dubartiin margaafi meeshaalee safuufi ulfoo tokko tokko (Siinqee, Bokkuu, Kallacha fa'a) qabachuun haala qindaa'aa ta'een walduraa duubaan gara Malkaa deemu. Yoo Irreessaaf Malkaa bu'an faaruulee garagaraa faarsaa durarra kan deemu Haadholii Siinqeefi dubartoota birooti. Ittaansee Abbootii Gadaafi dhiirota biroo faaruu *'yaa mareehoo'* jechaa deemaniidha. Duuba Abboottii Gadaafi mangudoolee immoo Foolleefi Daballee sirna Irreechichaa dabaaluuf dhufantu sirbaa deema. Erga haala kanaan malkaa irreecharra gahanii dubartoonniifi haawwoliin Siinqee warroota dhiiraatiif (Abbootii Gadaafi Jaarsoleef) malkaa irreechaa gadi dhiisanii gara duubaa deebi'u. Yeroo kana warri dhiiraa akkaatuma hangafummaa gosaatiin dabaree walii kennuun erga eebbisanii booda irreefantanii deemu. Haawwotiin Siinqeefi dubartoonni eebbicharratti hinhiraatan. Erga dura yoo gara Malkaa Irreechaa deemamu dura deemanii booda waa'ee dubartootaan walqabatee wanti jedhamu hinjiru. Gara Malkaa Irreessaa yoo deemamu dubartoonni dura deemuun maaliif barbaachise ree? Gaafiin jedhu ka'ee deebiin afgaafiin argame isa ittaanu kana.

> *Yeroo malkaa buunu wanti dubartoonni dura deemaniif, dubartoonni uumamaan gara-laafoo ykn hanfal-laafoo waan ta'aniif, Waaqnis haaluma kanaan garaa laafee kadhaa keenya dhagahee waan badaarraa akka nu baraaruufi nu eeguufi. (*Daanyuu Rabboo: Aanaa Heexosaa, Fulbaana, 2014)

Ragaa kanarraa wanti ifu dubartoonni uumamaan hanfallaafoo jedhamanii waan yaadamaniif, yeroo galataafi kadhaaf malkaatti bahan haaluma kanaan Waaqnis fakkoommii kanarratti hundaa'ee garaa laafuun hawwii isaanii akka guutuuf dubartoonni dura deemu. Akkasumas yeroo funaansa ragaaleef qorattittiin baadiyyaa keessa socho'aa turtetti, obbolaawwan dhiiraa funaansa ragaaleerratti ishee gargaaran malkaa bira yoo gahan dubartii dura malkaa hince'an jechuun akka isheen dura ceetu affeeraa turani (daaw'annaa, aanaalee sadanitti 2013-15'tti taasifamerraa). Kunis, kan mul'isu dhimmuma hanfallaafummaarraa ka'uun dubartii dura malkaa kan hinceene ta'uudha. Kana qofa osoo hintaane, yeroo rakkoon wayii jiraatee (rakkoo hoongee fa'a) Waaqa kadhachuuf dhiiraa dubartiin Malkaafi Tulluutti bahan, ijoon hanfallaafummaa kun

sirritti barbaadama waan ta'eef, akkuma kana dubartoonni dura deemu. Kanas yaada marii garee xiyyeeffannoorraa argame kanarraa ilaaluu dandeenya.

> *Yoo roobni dhabamee akka roobuuf Waaqa kadhachuuf Malkaa buunu ykn Tulluu baanu dubartootumatu fuundura bu'ee elelfachaa deema. Dhiirri duubumarra deema. Dhiira maaltu dhoowwa kan jedhuuf aadaafi safuutu dhoowwa. Bakka kanatti kan barbaadamu akka Waaqni garaa laafee roobuufi. Kana gochuu kan danda'an immoo dubartoota; dubartoonni uumamaan gara-laafoo, hanfal-laafoo jedhamu. Akkasumas, dubartoonni yeroo baay'ees ijoolluma isaanii waliin qa'uma waan turaniif, dabas hiyyaadan qulqulluudha jedhama. Kanaaf, yoo rakkoon uumamu Malkaafi Tulluutti bahanii dura deemanii Rabbi kadhachuun akkuma isaan garaa laafaan Rabbis isaaniif garaa laafee roobaan galani. Dhiirrimmoo gara-jabeessa jedhamee waan yaadamuuf, dura hindeemu*. (MGX: Aanaa Muunessaa, Waxabajjii, 2014)

Akkasumas, dhimmi dubartoonni Waaqa yoo kadhatan dura bu'uu qaban jedhamanii itti yaadamaniif, dubartoonni cubbuurraa qulqulluudha yaada jedhurraayi. Wanti isaan qulqulluu itti ta'aniifis, dubartoonni yeroo isaanii baay'ee kan dabarsan ijoollumaafi naannuma manaa kan dhimmoonniifi sirnoonni hawaasaa adda addaa itti hinbaay'aneedha jedhama. Warreen dhiiraa dhimmootaafi sirnootarratti hirmaachuu isaanitiin tarii dogoggoroota adda addaa raaw'achuu malu jedhamee yaadama.

Dubartoonni yeroo Waaqa kadhannaa bahan gara laafoodha jedhamuun dhimma gara laafummaatiin Waaqa duratti akka dhihaataniif barbaadaman malee, sirnootaafi dhimmootarratti hirmaannaan isaanii akka jiraatuufii miti nama jechisiisa. Kana jechuun, haati garaa hinjabaattu waan ta'eef, Waaqnis isheetti garaa hinjabaatu yaada jedhu calaqqisiisuufi. Kanammoo eebba Malkaafi Tulluutti dhiiraan eebbifamuufi horii achitti qalamurraa hubachuu dandeenya. Malkaafi Tulluutti galateeffachuu ykn kadhachuuf bahanii kan horiin qalamu yoo ta'e, kormatu qalama. Horiin qalamu maaliif korma ta'uu akka qabu yaada mirkaneessu yoo ilaallu: "*Malkaafi Tulluutti yoo baanu wanti kormi qalamuuf, malkaan kormaa, kormatti korma qalu waan ta'eef, kana agarsiisuufi. Goromsi bakkuma dubartoomaa sanaaf safuu hinguutu jedhama"* (Taarikuu Hordofaa: Aanaa Heexosaa, Adoolessa 2013)

Malkaafi Tulluu dubartoonni bahanii kadhataanii rakkoo itti hiikkatanitti horiin ni qalama yoo ta'e, kan qalamu korma malee goromsa miti. Sababni kun ta'uuf, Malkaan ykn Tulluun kormaan waan fakkeeffamuuf, kabaja bakka kanaa korma itti qalanii agarsiisu jechuudha. Goromsi bakka

dubartoomaa waan ibsuuf safuu hinguutu; kabaja bakka sanaas kan madaalu ta'uu dhiisuu mala jedhamee amanama. Kanarraa ka'uun Malkaa ykn Tulluutti kan goromsa dhiisanii korma qalaniif, 'kormaatti korma qalu' yaada jedhu guutuuf akka ta'e yaadni afgaafiin argame kan armaan oliirraa ni hubatama. Ijoo yaada kana cimsu Hasa (1983) akka kaa'etti, bara durii qaalluu beekamaan Oromoo Abbaa Baagiboo jedhamu Tulluu Agamsaatti bahee yoo Waaqa galateeffatu, kabaja keetiif Korma siif qale jechaati Waaqa kadhata jechuun kaa'e. Sababni korma qaluuf, kormi cimaadha, dhiirummaa mul'isaafi kkf ibsa waan ta'eef, 'kormatti korma qalu' jechuun jabina bakka sanaa ibsuuf akka ta'e mul'isa jechuudha. Yaada kanarraa kan mul'atu, duudhaa Arsii keessatti, bakka garaa laaffifachuun kadhachuutti dubartoota barbaadu. Bakka ciminaafi olaantummaa agarsiisutti immoo dhiira waamu. Yaada kanarratti namni biraa yaada dabalataa naaf kenne akka ibsetti, iddoo dubartoonni dura deemanii kadhataniitti, korma qaluun: *Kaawoo dubartiif bahanii kaawoo dhiiraa jabeessanii galuudha'* jechuun kaa'e. *(Fayyisoo Amaan: Aanaa Diksiis, Fulbaana, 2014)*

Gama biraatiin akkuma kutaa 4.4 jalatti eerame dhimmoota haawwoliin Siinqeen bahanii fixan keessaa tokko dhiibbaafi rakkoo gama garagaraatiin dubartootarra gahuudha. Dubartiin takka yoo miidhamte qaama ishee miidhe san haawwoliin siinqee qabatanii bahuun itti ililfatanii qaamni miidhe sun akka adabamuufi dubartiin miidhamtes akka beenyaan kennamuuf ta'a. Kana hubachuuf yaada afgaafiin argame armaan gadii kana ilaaluun gaarii ta'a.

> *Dubartiin takka abbuma warraatiin dhaanamtee haawwoliin yoo itti ililfatan abbootiin bahanii maali? jedhuuni. Yeroo kana dubartoonni dubbicha jaarsoliin gahuun jaarsoliin murtee itti kennu. Kanarratti dubartoonni murtee hinkennani. Sababnisaa, tokkoffaa dubartoonni qaama intala miidhamtee san waan ta'aniif, isaan warra iyyata dhiheeffataniidha. Lammaffaa immoo dubartiin murtee hindabarsitu. (*Gannaalee Wayyaa: Aanaa Heexosaa, Adoolleesa, 2013)

Sirna kanarratti dubartoonni jalqaba ililfatanii haa bahan malee, boodarratti murtee hinkennani. Sababni dubartoonni murtee hinkennineef akkuma afgaaficharratti ibsame, jalqabarratti, dubartoonni marti intala miidhamte waliin lakkaa'amanii himattoota ta'u. Lammaffaa, akkuma kutaalee armaan olii keessatti ibsamaa ture, dubartiin nama waldhabe araarsuu, ilaalii adda addaa ilaaluun murtii kennuu hindandeessu isuma jedhametu kana keessas jira jechuudha. Kana jechuun sirnuma dubartoonni Siinqeen bahanii rakkoo dubartii miidhamtee itti hiikan kanarrattuu

kan taa'ee dubbattee murtii dabarsu dhiira. Haala kanarraa kan hubatamu, haawwoliin Siinqee rakkoo uumame abbootiin gahatu malee, ofiif murtee itti hinkennani jechuudha.

### 7.5. Ijjannoo Dubartootaa Ilaalcha Duudhawaa Dubartummaarratti

Kutaa kana jalatti ilaalcha loogawaa duudhaa keessatti dubartootaarratti ijaarame dubartoonni mataasaanii akkamiin akka simatan duudhaa Oromoo Arsiirratti hundaa'uun dhihaate. Dubartoonni gooroo duudhaa hawaasaa keessaa tokko kan ta'e, sirna marsaa jireenyaa—sirna dhalli namaa marsaa jireenya keessatti keessa darbu kanneen akka dhalootaa, gaa'elaafi du'aa (Ezenweke, 2016) fa'arratti hundaa'uun, haalaafi iddoo adda addaatti bifa jechaafi gochaatiin gahee koornayaasaanii ibsuun raaw'iin dhugoomsu. Kunis, waa'ee gahee akka aadaafi duudhaa hawaasaatti isaaniif kenname kaasuun gahichi kan isaanii ta'uufi isaanis kan itti amananii fudhatan ta'uu beeksisaafi ibsa deemu (Mulamba, 2013). Jechoonniifi gochoonni dubartoonni sirnoota marsaa jireenyaa—dhalootaa, cidhaafi boo'ichaan walqabsiisanii jedhaniifi raaw'atan kan dubartoonni gahee koornayaa isaaniif kenname—kan fayyadus ta'ee miidhu akka fudhatan gorsaniifi akeekkachiisaniidha.

Duudhaa keessatti sirni ittiin bulmaata hawaasaa (social norms) dhiiraafi dubartiin gahee koornayaa bahuu qaban ni murteessa (McKay, 2013). Dhiiraas ta'ee dubartiin gahee gama hawaasaatiin akka bahaniif isaaniif kenname, akka hawaasaatti ykn nama dhuunfaatti kan isaan miidhu ykn fayyadu ta'uusaa beekanis ta'ee osoon beekin deeggaranii fudhachuun gaafii tokko malee hojjoomsu. Sababnisaas, wanti akka aadaafi duudhaa hawaasaatti namaaf dhihaatu gaariidha, sirriidha jedhamee waan fudhatamuufi. Qaamni duudhaa hawaasaa darbee gaafii maaliif jedhu gaafatu yoo jiraate akka nama safuufi duudhaa hawaasaa cabseetti ilaalama. Namni waan akka duudhaa hawaasaatti barame ykn fudhatame tokko fudhachuu dide akkaatuma duudhaa hawaasaatti garee namootaa akka haadhaa, abbaa, hiriyyaafi kkf karaa jechaafi gochaa haalatti too'atamu qaba (Dunne, 2009; Malang, 2017). Kanaafuu, dhiiraas ta'ee dubartiin ijoollummaa isaaniirraa eegalanii waan hawaasichi isaanirraa eegu raaw'achuufi amala barbaadamu agarsiisuu qabu.

Aadaafi duudhaa saboota hedduu keessatti dhiiraafi gaheen isaanii olqaqqabamuun kan faarsaman yoo ta'u, dubartiifi wantoonni isheen walqabatan immoo gadiqaqqabamuun yoo

laaffifaman mul'ata (Dunne, 2009). Aadaa dhiiraaf dursa kennu keessatti dubarri takka, wanti akka aadaafi duudhaatti jiru kan ishee miidhuufi fedhiishee hinguunne yoo ta'eellee, xiqqummaa isheerraa eegaltee mataa gadi qabachuun hojii mana keessaa sirriitti akka beektutti, haadha warraafi haadha gaarii ta'uu akka dandeessutti too'annoon guddisamti (Dunne, 2009, Mulamba, 2013). Amaloota kana ijaaruuf, cimsuufi dabarsuu keessatti gahee guddaa kan taphatan haawwani. Saltzman (1987) akka ibsitetti, dubartoonni, addunyaa dhiibbaan dhiiraa keessatti babal'ate keessatti dhalatanii waan guddataniif, looriin (lore) isaan fayyadaman kan olaantummaan dhiirri addunyaarratti qabuufi ilaalchi gadaanaan dubartootaaf kenname sirrii ta'uu kan mirkaneessaniidha. Haala akkanaa keessatti dubartoonni sirna faallaa fedhii isaanii ta'eefi dhiibbaa isaanirraan gahu akka itti fufuuf kallattii maraan gumaacha taasisu. Haawwan rakkoo ijoollee durbaatiin dhufuuf itti gaafatamtoonni ta'uurraa kan ka'e, haalli jiru homa fedhes ta'u, ijoollee durbaa akka isaaniitti uffachuu, dubbachuu, nyaachuu, mataa gadi-qabachuufi bakka ooluu qaban jechaafi gochaan hubachiisuun guddisu (Mulamba, 2013 fi Dunne, 2009). Aadaa Oromoo keessattillee mammaaksonni *"haadha ilaalii intala fuudhi; intalli adaadaa baddi"* jedhan hawaasomsuu haawwaniin raaw'atamu agarsiisu.

Akkasumas, dhiirri tokko waan dhiirummaasaa mirkaneessan kan abbootasaarraa dhaale, amala dhiirummaa dhirsa sirrii isa taasisu ijaarrachuun wantoota amala dubartummaa isarratti mul'isan irraa maqee oljejjedhee mul'achuu qaba (Mulamba, 2013; Wandi, 2015, Malang, 2017 keessatti). Akkasumas, bakka qabaachuun addabaabaayirratti dubbachuufi socho'uu akka danda'utti dursi kennamuufiin gootummaan faarsamaa guddifama (Dunne, 2009). Ilmi dhiiraa tokko haala wayii ykn rakkisaa ta'e tokko keessaallee yoo jiraate "*maal ati dhiira mitii?"* jedhamuun madaala dhiiraa akka qabaatu ta'a. Kunis, amala abbaa isaa fudhachaafi hojii manaan alaa kanneen akka qonnaa irratti bobba'ee akka abbaatti uffachaa, dubbachaa, hojjechaa akka guddatu taasisuun amala aadaa dhiiraaf bakka guddaa kennuun ijaaramuuti. Aadaa Oromoo keessatti *"karaa abbaan baase ilmi irraa hinmaqu; ilmi eessuma bada,"* mammaaksonni jedhan yaada kana dhugoomsu.

Dubartiin aadaafi duudhaa dhiiraaf dursa kennu keessatti hawaasomuun guddatte takka akka fedhaafi miira isheetti osoo hintaane, sababa dhiibbaa aadaafi duudhaatiin akka nama qaamaa biraa tajaajiluuf uumameetti ofilaalti; darbees, ilaalcha kana nafoomfachuun akka ofijaartu

taasifamti (Butler, 1990; Fredrickson & Roberts, 1997; Breines fi wk, 2008). Berger (1972) akka ibsetti, hawaasa keessatti dubartiin ilaalcha namni alaa maal naan jedha jedhuun guddatti; sochiin ishees dhiira caalaa xiyyeeffatamuun madaalama. Haala kana dubartootaas dabalatee qaamni hawaasaa hundi itti amananiituma fudhachuun karaa duudhaa cimee akka itti fufu taasisu. Kana jechuun, duudhaan hawaasaa gooroo fokloorii keessaa tokko ta'e, adeemsi loogawaa ta'e cimee akka itti fufu gochuu keessatti bakka olaanaa qaba jechuudha. Ijoo kana Gilman (2019) gooroowwan fokloориin daa'imman haala umriisaanii guutuu keessatti itti fufu, aadaa garee tokko olqabee kaan gadiqabuufi garee tokko fayyadutti madaqanii akka guddatan godha jechuun keesse.

Duudhaan Oromoos ijaarsa olaantummaa dhiiraafi gadaantummaa dubartii labsu kanarraa bilisa hinta'u. Xiyyeeffannoon kutaa kanaa dubartoonni aadaafi duudhaa keessatti guddatanirratti hundaa'uun akkamiin akka ofilaalaniifi bakka akkamii akka ofiif kennan, waan jedhaniifi godhan keessatti waan faallaa fedhiisaanii ta'e akkamiin akka raaw'ataniifi dhaloota haaraa—keessaayyuu, ijoollee durbaa adeemsa faallaa isaanii ta'een akkamiin akka hawwaasomsaniifi dhiibbaa haalli kun qabu maal akka ta'e raaw'ilee sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsiirratti hundaa'uun xiinxaluudha. Kunis, wantoonni haawwan da'umsaan, guddisaan, gaa'elaafi boo'ichaan walqabsiisanii raaw'atan mata-duree nmata-dureen qindaa'uun akka ittaanu kanaan dhihaataniiru.

### 7.5.1. Raaw'iilee Sirna Da'umsaarratti Jechaafi Gochaan Raaw'ataman

Dhiiraafi dubartiin hawaasa keessatti waan ta'uu qaban, gahee aadaa bahuun isaanirraa eegamu, waan raaw'achuu qabaniifi hinqabne jalqabuma gaafa dhalootarraa eegalee gama aadaafi duudhaa itti himamaafi gochaan itti agarsiifamaa deema. Maatiin daa'imti dhalattee akkuma saalli barameen maqaa, uffataafi wantoota birootiin ijaarsa koornayaa eegaluun hawaasnis bifuma kanaan itti fufa (Lorber, 1996). Yaada kana Carter (2014:244) "The socialization process begins at birth; families usually treat newborns differently according to their sex" jechuun kaa'a. Kunis, maatiin yeruma dhalootaarraa qabanii daa'imman saalasaaniirratti hundaa'uun haala adda adda ta'een kunuunsaa guddisu. Dubartoonni gahee akka aadaafi duudhaa hawaasaatti dubartii takkarraa eegamu yeroo dhalootaarraa eegalanii fakkoommiifi bakka isheen hawaasa keessatti

qabdurratti hundaa'uun ibsu. Kunis, waan jedhaniifi godhaniin dubartiin hanga dhiiraa kan hingeenye ta'uushee ofumaa ofiin jechaafi gochaan ofirratti raaw'achaa deemu.

Ragaan qorannoo kana boqannaa shan sirna da'umsaa jalatti dhihaate akka ibsutti, haawwan yoo dubartiin deessu, nagaan hiikkachuu isheetiif gammachuu isaanii ibsachuuf yoo ililfatan, ililfannaan isaanii saala daa'imaarratti hundaa'uun—kan dhalate dhiira yoo ta'e yeroo jaha/afur, durba yoo taate immoo yeroo shan/sadi ililfatamuun garaagarummaa qaba. Akkasumas, dubartii deesse takka akka aadaafi duudhaa hawaasaatti guyyoota muraasaan booda sirna nafa dhiqaatu taasifamaafi. Dabalees, wantoonni yeroo nafa dhiqaa raaw'atamanis saala daa'ima dhalateerratti hundaa'uun adda. Daaw'annaa mana deessutti taasifameen akka adda bahetti, dubartii deesse yoo nafa dhiqan jalqaba margaan ililfatanii yoo bishaan qaama ishee tuqsiisan, haadha dhiira deesseef yeroo shan, kan durbaatiif yeroo afur ililfatu. Guyyuma nafa dhiqaa marqi hoboxaa (marqaa sirna nafa dhiqaatiif marqamu) jedhamu marqamee akka namoonni nyaatan ta'u, yoo kan dhalatte durba taate dhiirri hinyaatu. Kunis, fakkoommii dubartiin hawaasa keessatti qabdu—dadhabduu jedhuurraa ka'uun, dhiirri hoboxaa dubartii nyaatu ni dafqa, ni dadhaba, akka dubartiitti laafa jechuun akka nyaanne taasifama. Yoo kan dhalate dhiira ta'e marqi nama maraafuu bahee qixuma nyaatama.

Dabalees, meeshaadaan dubartiin deesse wayyoomtuu, kabajamtuu, qananiituufi kunuunfamtuu ta'uu mul'isu Qanafaan guyyaa nafa dhiqaa dubartii deesseetti godhama. Afgaafii yeroo daaw'annaa haawwaniif taasiseen akka hubadhetti, haati dhiira deesse ji'a shaniif, kan dubartii deesse immoo ji'a afuriif meeshaa wayyooma dubartii deessee ibsu—Qanafaa ofirra tursiisuun kabajamaafi kunuunfamaa jiraachuu ishee agarsiifti. Haati durba deesse hanga haadha dhiira deessee baay'ee kunuunfamuun kan hinkabajamne ta'uu ibsuuf, yeroon isheen Qanafaa godhattee turtu ji'a shanirraa afuritti gadi bu'e.  Asirratti kun kan agarsiisu, haati ilma deesse takka haadha intala deesse caalaa kabaja argatti, wayyooma qabdi, ji'a shaniif bakka deemte hundatti kabajniifi dursi kennamaafi. Haati durba deesse ji'a afuriif qofa kunuunsa haati ilma deesse argattu kana argatti.

Haawwan ilaalcha ilmi intalarra warraaf oola, cimaadhaas jedhurraa ka'uun dubartiif (ofiif) ilaalcha gadaanaa qabaachuun waan raaw'ataniifi dubbatan keessatti gadi ofqabanii

olaantummaa dhiiraa lallabu. Kunis akkuma ragaa argamerraa hubachuun danda'ametti, dubartoonni matumasaanitiin dhaloota durbaa osoo hintaane, dhaloota ilmaatti kan gammadan ta'uu waan jedhaniifi godhaniin mul'isu. Kunis, yoo ilmi dhalatu kan yeroo intalli dhalattuurraa caalchisanii yeroo shan ililfatu. Haati dhiira deesse haadha intala deesseerra yeroo dheeraa Qanafachuun wayyooma ishee mul'isti. Kanarratti yeroo jaha/afur ykn shan/sadi kan ililfatu, Qanafaas ji'a jahaas ta'ee shan godhachuun kan mul'isu dubartuma mataasheeti. Wanti dhalootarratti intalaaf taasifamu kan ilmaatii gadi akka ta'u gochuurratti jechaanis ta'ee gochaan gahee guddaa kan taphatu dubartootuma mataasaaniiti. Badhaasoo yaada kana "ka elelfatuufi lakkoofsa walcaalchisullee dubartootuma mataasaaniiti" (2000: 256) jechuun ibse.

### 7.5.2. Raaw'iilee Hawaasomsuu Ijoolleerratti Haawwaniin Raaw'ataman

Haawwan dhaloota ilmaa kan intalaarra kan itti gammadaniifi barbaadan ta'uu ibsuun alattis, guddisarratti kunuunsi ilmaafi intalaa taasisan adda. Innis, haalli gama nyaataafi dhugaatitiin ilma intalarra caalchisanii ilmi bilisummaan akka nyaatee dhugu, intalli immoo ofeeggannoon akka nyaattee dhugdu taasisuun kunuunsan jira. Biyya keenya qofa osoon hintaane, fakkeenyaaf, biyyoota Eeshiyaa kanneen akka Hindii, Baangilaadiishiifi Paakistan keessatti ijoolleen dhiiraa kan durbaa caalaa nyaata gahaa akka argatan taasifama (Ferraro, 1995 fi Harris, 1995; Waliyie, 2004 keessatti). Haala akkanaa keessatti dubartiin haalatti nyaatunis haa ta'uu hanga nyaattuun akka dhiiraa walaba osoo hintaane, fedhii nyaatashee akka too'atu barbaadama. Haati intala ishee akka amala dubartummaa qabaattu leenjistee guddisti. Dubartiin akka qaama nama biraa tajaajiluuf uumamatetti ofilaaluurraa kan ka'e nyaatarratti—fakkeenyaaf, ofiif ilaalcha sirrii dhabuun rakkoon ishee muudata (McKay, 2013:55). Haaluma kanaan akka aadaafi duudhaa Oromoo Arsiittis, intalli akka ilmaa nyaata gahaa/gaarii nyaachuun—aannan fa'a dhuguun, akka ilmaa qaamaan akka cimtu hinbarbaadamu. Kanaan walqabatee yaadni afgaafiin argame kan ittaanu kana.

> *Haawwan ijoollee guddisuurratti haalli durbaafi dhiiraa itti nyaachisanii obaasan adda. Ilmi dafee akka guddatuuf, qaamaanis akka cimuuf ishee durbaa caalaa nyaata gahaa kennuufiin kunuunsu. Ilmi intalarra aannan akka dhugu ni hayyamamaafi; durbaaf hinhayyamamu. Sababnisaa dubarri yoo qananiitee guddatte osoon heerumin baatee dhiira barbaadu dandeessi jedhama. Kana malees, dubara yoo nyaataafi dhugaatiin qananiisanii guddisan dhirsi moo'achuu dadhabee warri dhirsaa nu—keessaayyuu, haadha arrabsa jedhanii yaadu. Irra caalaa immoo intalti boru yoo heerumtee mana ormaa dhaqxe akkuma asitti aannan dhuguu barte achittis aannan*

> *eechotti naqachuu dhiistee dhuguu dandeessi waan jedhaniif, akka isheen aannan dhuguu hinmi'eeffanne godhu.* (AFG: Aliimaa Yaaddoo, Aanaa Muunnessaa, Waxabajjii, 2014)

Akka ragaan argame mul'isutti, ilaalchi ijoolleen durbaa akka kan dhiiraa nyaata gahaa akka hinargannee taasifamu kun waan lamarraa kan maddeedha. Tokko kan haati intala nyaata gaarii nyaachuurraa qusachuun akka isheen qaamaan hincimne taasiftuudha. Haawwaniifi abbootiin akka ibsanitti, sababni haati kana gootuuf, dubarri yoo qananiitee guddatte osoon heerumin ala bahuun maqaa na balleessu dandeessi jetteeti. Kana malees, haati durba yoo nyaataafi dhugaatiin qananiistee guddiste dhirsi moo'achuu dadhabee warri dhirsaa na arrabsa jettee yaaddi. Fakkoommiin dubartiin hawaasa keessatti qabdu laaftuufi ajajamtuu ta'uurraa kana ka'e, haati intala cimsitee yoo guddiste, *'sila haati intala dhiira gootee itti fuudhuu heddii'* jedhamuun hawaasaanis ta'ee warra fuudheen komatamuu dandeessi.

Inni biraa akka ibsa haawwaniitti, wanti haati intalli akka ilmaa nyaata gaarii—aannan fa'a hindhugne gootuuf, heerumuu intalaatiin walqabateeti. Kunis, haati intalli mana kiyyatti aannan dhuguu barte gaafa heerumtes aannan re'ootti naqachuu dhiisuu dandeessi jettee sodaachurraayi. Akka duudhaa Arsiitti, dubartiin aannan ofii dhuguu caalaa eessotti/re'ootti naqattee raasuun dhimmoota adda addaatiif dhadhaa kuusuu qabdi. Jalqabarratti dubartiin takka aannan kuusuun abbaa manaaf itittuu kennaa, isa hafemmoo qusattee raastee dhadhaa baasun tajaajila manaaf oolchiti. Fakkeenyaaf, aannan raasuun mataan ishee akka hingogneef dibachuu qabdi. Ittaansee, marqa marqitee sirnoota adda addaa deemuuf, keessummaan yoo dhufte marqitee nyaachisuuf dhadhaa kuusuu qabdi. Dubartiin takka elmachaa kana gochuu dhabuun akka salphina.

Kanaaf, haati intala yoo guddiftu, adeemsuma ofii keessa dabarte kan sirna bulchiinsa dhiiraarratti hundaa'e—kan dubartii of osoo hintaane, qaama biraa akka tajaajiltu ilaalurratti hundaa'uun, intalli ishee intala guddisa bade akka hinjedhamne wantoota akkanarratti akka isheen bilisa hintaane, ofeeggannoofi too'annoo gochuuni. Sababnisaas, akka ijaarsa duudhaatti, wanti intalaan dhufu haadha ilaallata. Intalaan walqabatee yoo rakkoon jiraate, akkuma *'haadha ilaalii intala fuudhi'* jedhamuun mammaakamu, haadhatu intala haalaan qabachuu dide jedhama. Kanaaf, haati baay'inaan intala gorsiti, darbees eegdi. Haati intala kan gorsitus ta'ee kan eegdu

akka isheen ofdandeessee nama cimtuu taatu osoo hintaane, akka isheen akkuma aadaafi duudhaa keessatti barameen mataa gadi qabattee qaama biraa tajaajiluu dandeessuufi.

Kana qofa osoo hintaane, dubartii ilaalchi aadaafi duudhaa keessatti isheerratti ijaaramee jiru—kan sirna bulchiinsa dhiiraarratti hundaa'ee, dhiibbaa guddaa isheerraan gahuun kan ka'e akka isheen garmalee bakka ofdhoorkitu ishee taasise. Haala kana Mulamba'n dubartoonni rakkoo jirurraa ka'uun dhiibbaa aadaan isaanirra kaa'e ofirraa mormuurra deebi'aniituma walqixxummaa dhabuusaanii yoo deeggara mul'atu jechuun ibse. Yaadnisaas, akkuma jiruun yoo dhihaatu: "However, through socialization into the values of a culture, women can find themselves constructing their own images that do not always express emancipation, and even less so gender equality. In other terms, in patriarchal systems such as this one, women are, wittingly or unwittingly, accomplices to their own oppression, particularly through hegemony and ideology" (ff: 48) kan jedhuudha. Akka Mulamba'tti dubartoonni sona aadaarratti hundaa'uun waan ofleenjisaniif, adeemsa dubartootaaf bilisummaa hinkennine ykn sirna bulchiinsa dhiiraa keessatti aadaa isaan miidhutti waan madaqaniif, beekaniis haa ta'uu osoon beekin waan faallaa isaanii ta'e yoo ofirratti labsan mul'atu.

Kun kan agarsiisu, akka Jost, Pelham & Caravallo (2002) faan ibsanitti, qaamni hawaasa keessatti miidhamtoota ta'an (dubartoonni) haala keessa jiran amananii fudhachuun isaanis ilaalchuma qaamni isaan miidhu isaan ilaaluun kan ofilaalan ta'uudha. Haala akkanaa keessatti gareen miidhamtootaa sirni isaan miidhe akka itti fufuuf, warra sirnichaarraa bu'aa argachaa jiran caalaa sirnichaaf wabii ta'uun deeggaru (Calogero, R. M., 2013). Kana jechuun, dubartoonni miidhamtoota ta'anii osoo jiranuu ijaarsa akkanaa kana jechaanis haa ta'uu gochaan ofirratti cimsaa deemu. Fakkeenyaaf, akka haawwan marii gareerratti ibsanitti, haaluma nyaata abbaa warraafi haadha warraa yoo ilaallu, haalli nyaata abbaa warraafi haadha warraa adda. Kunis, dubartootuma mataasaaniitiin nyaanni abbaa warraa gaarii ta'uu akka qabuufi kan haadha warraa immoo ilaalcha akka ta'e haa ta'u jedhuun kan ibsamuudha. Kanas ragaa afgaafiin argame ittaanurraa ilaaluu dandeenya.

> *Haati warraa abbaa warraaf nyaata addatti dhiheessitiifi; ijoolleefis akkasuma gooti. Ofii garuu yoo jiraates ni nyaatti, yoo dhume immoo homa hafe duguuggatte/oytema qotatteti gadiciifti. Yoo abbaan warraa mana hinjirre immoo nyaataafi dhugaatii gaarii isaaf qusachuun ofiif waanuma ta'e cinaa cinaa goruun dudduguugatti malee,*

> *dhimmamtee nyaata ta'u bilcheeffattee hinyaattu. Asirratti akka isheen hinyaanne namni godhe hinjiru. Ilaalchuma 'dubartiin Hanfalaa/Sabbata nyaatti' jedhamu santu itti baree ofiif yaada dhabdi malee.* (AFG: Daanyuu, Rabboo: Aanaa Heexosaa, Waxabajjii, 2013)

Afgaaficharra wanti hubatamu, mana keessatti nyaata kan qopheessu haadha warraa taatee osoo jirtuu, garuu isheen nyaaticha qopheessite ofiif akka fayyadamuu qabdutti kan hinfayyadamne ta'uudha. Kan fayyadamuu dadhabdes namni biraa ishee dhoorkeefi darbees nyaanni manaa dhabamee osoo hintaane, ijaarsa aadaa isheen keessatti guddatteefi ilaalchuma isheen ofiif qabdu kan tajaajiltummaarraa madde—kan ijoolleefi abbaa warraasheetiif dursa kennituufi waan gaarii ittiin hawwiturraa ka'eeti. Mulamba (2013) yaada kana dubartoota Afrikaarratti hundaa'uun yoo ibsu, dubartoonni Afrikaa bakka hanqinni nyaataa jirutti abbootii warraafi ijoolleef dursa kennu. Yaadichis akkuma jiruun yoo taa'u: "In cases of hardship or shortage of food, the traditional African woman, as a mother and a wife, is expected to serve the available food to her children and the husband. She should thus sacrifice her own interest to the benefit of others" (ff: 58) kan jedhuudha. Ibsi yaadichaas, dubartoonni duudhawoon Afrikaa akka haadhaafi niitiitti, bakka hanqinniifi hir'inni nyaataa jirutti, fedhasaanii aarsaa godhuun, ijoolleefi abbootii warraa isaanitiif dursa kennuu akka qabantu irraa eegama.

Mulamba'n dubartiin takka bakka hanqinni nyaataa jirutti fedhii nyaataa ishee aarsaa kan gootu ta'uu kaasus, akka haawwan aadaafi duudhaa Oromoo Arsiirratti hundaa'uun ibsaniitti, irra caalaa dubartiin takka bakka hanqinni nyaataa jiruttis dabalatee, osuma nyaanni gahaan jiruu, bakka/ilaalcha sirrii hintaane ofiif qabdurraa ka'uun bakka ofiif dhabdi. Ilaalchi isheen ofiif qabdu kunimmoo kan ijaarame, ilaalcha hawaasaa kan *'dubartiin sabbata nyaati'* jedhuun akka isheen ofiif bakka hinkennine dhoorkurraa akka ta'e hubatameera. Ijaarsa duudhaa sirna bulchiinsa dhiiraarratti hundaa'uun ijaarame keessatti dubartiin takka namni ishee argees, arguu baatees haala kana kan ofii taasifachuun ittiin jiraatti. Foucolt'n ijaarsa duudhaa hawaasaa dubartoonni keessa jiraatan kana haala sirreeffamtoonni mana sirreessaa keessatti dabarsan waliin walbira qabee ibsa. Akka inni ibsetti, sirreeffamtoonni mana sirreessaa jiran waardiyaan nu eegu jira yaada jechuurraa, waardiyichi jiraatus jiraachuu baatus jira jedhanii mana hidhaa keessa taa'ani. Akkuma kana, dubartoonnis gahee duudhaa kan isaanii ta'e, kanimmoo dhiibbaa isaanirratti qabu namni isaan arguus arguu baatus inuma bahu.

Dhiibbaan duudhaa, dubartiin takka akkuma ofiif ilaalcha gaarii hinqabne, dubartii biraatiifis ilaalcha gaarii akka hinqabaanne taasise. Akkuma yaada marii gareen argame kan ittaanu kanarraa ifutti, yeroo fuudhaafi heerumaa dubartoonni warra cidha qabu gumaataan marqa marqatanii dhaqan marqa isaanii akka dubartoonni nyaatan hinbarbaadani.

> *Bakka cidhaatti dubartoonni marqasaanii akka dubartiin nyaattu hinbarbaadani. Sababnisaas, nyaata dubartiin takka qopheessite isheen biraa nituffatti. Kanarraa kan ka'e kan nyaata qopheessite nyaata ishee yoo dubartoonni nyaatan akkam? Jetti. Kanaaf, 'dubartiin ofumaa marqitii ofumaa balfitii' nuun jedhu.* (MGX: Aanaa Muunessaa, Sadaasa, 2014)

Yaadni MGX kun kan agarsiisu, dubartiin mataanshii, dubartummaaf ilaalcha akkamii akka qabduudha. Asirratti wanti barame, dubartiin nyaata qopheessite takka dubartoonni biroo nyaatichaan walqabatee ogummaa kiyyarratti haasa'u ykn na hamatu/tuffatu jettee yaaddi jechuudha. Ilaalchi dubartiin takka takkaaf qabdu sirrii ta'uu dhiisuurraa kan ka'e dubartiin nyaata qopheessite dhangaa ishee dubartoonni akka hinyaanne barbaadi. Dhangaashee dhiirri yoo nyaate barbaaddi; dubartiin yoo nyaatte akka waan bushaayetti/gatii dhabeetti ilaalti. Kanarratti wanti adda bahuu qabu, nyaanni tokko naaqisa/mudaa yoo qabaate ykn badaa yoo ta'e dhiiraas ta'ee dubartiin arguun isaanii hinoolu. Garuu wanti ijoon, dubartiin takka nyaanni isheen qopheessite yoo badaallee kan ta'u ta'e, badummaasaa dubartii akkashee osoo hintaane, namni ishee oljedhamu dhiirri yoo arge irra filatti jechuudha.

Dubartoonni ilaalcha gaarii ofiifis ta'ee, dubartoota birootiif dhabuurraa kan ka'e, dubartiin takka waan isheen dalagdeen walqabatee dubartoonni biroo ishee tuffachuun waa'ee ishee akka haasa'aniitti yaaduu dandeessi. Kunis kan maddee akka Greenhill fi wk (2009) faan akka ibsanitti, ilaalcha hawaasaan dubartootarratti ijaaramerraayi. Akka ibsa Greenhill fa'aatti, ilaalcha hawaasni dubartootaan walqabsiisee ijaarerratti hundaa'uun haasaan namoonni dhiiraa waliin haasa'an tokko akka ijoo gaariifi oduutti "news" fudhatama. Haasa'uma walfakkaataa kana dubartoonni yoo waliin taasisan akka hamiifi olola ganda keessatti ilaalama. Ilaalchi hawaasaan haasaa dubaratootaa akka oduufi hamii ganda keessatti ilaaluurratti ijaarame kun dubartoota mataasaaniin nafooffamuun mataasaanii kallattii sanaan akka madaalan taasise. Kanarraa kan hubatamu, dubartoota dhiibbaan duudhaa keessa jiru akkasaan ofiifis ta'ee waliif

ilaalcha gaarii dhaban taasisuun, wanta isheen takka raaw'atte warreen biroo akka waan gaariitti ykn dhimmaatti kan hinfudhanne ta'uudha.

### 7.5.3. Raaw'iilee Sirna Gaa'elaarratti Haawwaniin Raaw'ataman

Haawwan guddisaan boodas gaa'elarratti ijoolleen durbaa bakka heerumanitti moo'atamuun ajajamanii buluu akka qaban jechaafi gochaan akkaataa itti gorsan qabu. Qophiilee haawwan intala heerumtu waliin walqabsiisanii taasisan keessaa tokko akka intalli gurbaaf ajajamtu taasisuudha. Namoota ragaa naaf kennan keessaa Aadde Safiyaa Burqaa Aanaa Diksiisitti akka ibsanitti, haawwan yeroo intalli heerumtu gaafa ciini boru jedhamu intala haala adda addaatiin faayuun alattis heexoo obaasuun qeensa irraa qoru. Sababni kana godhaniif, gurbaafi intalli yeroo jalqabaatiif yoo walitti makaman, intalli hayyamamtuu ta'uu yoo baatte, humnaan gurbaarra caaltee akka hinmoo'anne dadhabsiisuuf heexoo garaa duwwaatti obaasuun akka gadi-teessisu godhu. Akkasumas, akka qeensaan hinmiineef hanga qubni madaa'utti qeensarraa qorani. Akkasumas, nyaatas baay'ee akkan nyaanne taasisu.

Dabalees, haawwan sirna fuudhaa heerumaarratti intalaaf faaruufi sirbaan dhaamsa dhaamantu jira. Kunis, fuudhaa heerumarratti haawwan intala heerumtuuf akka isheen aadaafi duudhaa hawaasaa kabajuun haala abbaan manaashee ishee ajajetti bultu dhaamaniifi. Kana jechuun, akkuma Ninola (1999) sirbi dubartoonni sirban ilaalcha bitamtummaafi gadaantummaa ture daran kan cimsu jettu, haawwan haala hawaasa keessa jiru tokkummaan irratti waliigaluun intalli heerumtus akkuma isaaniitti haala jiru mormuu osoo hintaane, mataa gadi qabachuun buluu akka qabdu dhaamaniifi. Dhaamsichis:

*Wannin siif dhaamu yaa qalayyoo too*
*Eelee galgalaa eeboo balbalaa*
*Abiddi dhaamin gandaa sin waamin*
*Yaamu awwaadhuu dhaanu watwaadhuu* (MGX: Aanaa Heexosaa, Waxabajjii, 2013)

Haawwan intala heerumtu gaafa cidhaa yoo isheen qa'ee warrasheetii baatu, isheenis akkuma isaanii waan isheerraa eegamu guuttee akka argamtu dhaamsa kanaan ergaa dabarsaniifi. Dhaamsichis akka isheen wantoota abbaa manaashee hinjaalanneefi isa aarsanirraa fagaattu kan gorsuudha. Fakkeenyaaf, dhihana abbaa warraashee osoo galgalli hingahin yerootti qopheessuu akka qabdu, eeboo balbalaa (dhiira biraa) akka qabaanne, gandarra deemuu akka qabne, mana

hoo’isuun qophii taatee isa eeguu akka qabdu gorsu. Haati manaa abbaa manaasheetiif ajajamtee buluu akka qabdu—fakkeenyaaf, yoo inni ishee dhaanellee ittiin mormuu osoo hintaane, watwaattee kadhachuu akka qabdu dhaamamaafi. Akka aadaafi duudhaa Oromoo Arsiitti, walaloon ‘*Yaamu awwaadhuu dhaanu watwaadhuu’* jedhu abbaan manaa haadha manaa dhaanuuf mirga kan qabu ta’uu kan agarsiisudha. Mirga qabaachuu qofa osoo hintaane, miidhamtoonni duudhaa, dubartoonni mataasaanii mirga abbaan manaa haadha manaa dhaanuuf qabu kana ifaafi bilisatti mirkaneessuu isaaniti. Cidharratti haawwan bakka qaamni mirga namaa (dubartii) sarbuuf aangoo qabu jirutti intalasaanii haala kanaan gorsuun qaama miidhuuf mirga laachuun miidhamtoota miitotaaf qopheessuudha.

Sirnuma fuudhaa heerumaa keessatti—keessaayyuu, gama intalaatiin, akkuma aadaa keessatti baratame gurbaa fuudhu arrabsuu yoo barbaadan, dubartii isatti dhihoo jirturratti hundaa’uun arrabsu. Kun kan ibsu, dubartootumti mataasaanii nama tokko miidhuu yoo barbaadan dubartootumarratti kan hundaa’an ta’uudha. Kanas sirba haawwan yeroo marii garee xiyyeeffannoo kaasan ittaanu kanarraa ilaaluu dandeenya.

*Itiyyoo (bahee Boorataan x 2)*
*Haadhatu manaa mooyataa*
*Kanaaf foolataa*
*Kan Haati hojii barsiiftee*
*Shaggiyyoo fichaa harsiiftee* (MGX: Aanaa Heexosaa, Sadaasa, 2014)

Sirba kanarratti ijoolleen durbaa gurbichi kan haadha jala deemu haa ta’uu, haa ta’us baatu, hanga danda’aniin hamilee isaa tuquuf yaalani. Akka aadaatti, dhiirri kabajamaadha waan jedhamuuf, haadha (dubartii) jala deemee mana keessa hojjechuuniifi ajaja ishee fudhachuun isa tuffachiisa. Kanaaf, ijoolleen durbaa wanti isaan faaruun jedhan odeeffannoo sirrii waa’ee gurbichaa ta’us, ta’uu baatus, gurbichi nama akka dhiiraa ala ala jedhu osoo hintaane, kan haadhasaa jala deemee hojii mana keessaa hojjetu, kan ajaja haadhaatiin (dubartii) bulu akka ta’eetti dubartootumaan arrabsame. Hawaasa keessatti hojiin dubartii fakkoomuma dubartiin aadaa keessatti qabduun madaalama waan ta’eef, dhiirri hojii dubartii baruun akka gadaanaatti isa fudhachiisa. Fakkeenyaaf, haati ilmashee hojii mana keessaa barsiisuun akka haati warraa inni fuudhuus booda isa ajajuu dandeessuuf karaa bana jedhama. Kanaaf, haawwan ijoollee dhiiraa isaanii hojii mana keessaa jalqabumaa akka baratu hinhayyamani; innis itti hinkalaayu.

Dubartoonni iddoolee adda addaatti dubartiirra dhiirri barbaadamaa akka ta'e, dubartiin takka daangaa ishee eeggachuun abbaa manaa isheetiin too'atamtee buluu akka qabduufi kkf irratti hundaa'uun sochoo'uu akka qabdu hanga danda'aniin bakka danda'an hundatti ibsu. Kanarra ce'uun dubartiin takka waan akka aadaa hawaasaatti daangaa dubartii miti jedhame tokkorratti hirmaatte yoo argamte immoo deebiteetuma dubartootumaan iddoo maratti bifa sirbaatinis ta'ee haala adda addaatiin ceepha'amuun arrabsamti. Isaanis akkasheen duudhaa hawaasaa cabsiteefi dubartoota biraas arrabsiistetti, maqaa garagaraa itti baasuun wantichi wanta ta'uu hinqabne akka ta'e ibsu. Kanaaf fakkeenyi gaariin sirba durbi cidharratti namittii yeroo tokko haadha biyyaa taate, kan maqaashee *Suubboo Xuxxee* jedhamtu, kan dhimmoota hawaasaa mararratti hirmaachaa turtetti sirbaniidha. Kanas afgaafii ittaanurraa haa ilaallu.

> *Dur namittii dhiiraan qixxee dhimmoota hawaasaa adda addaarratti hirmaattu kan maqaan ishee Meetii/Suubboo Xuxxee jedhamtu, dubartoonni sirbaan arrabsaa turani. Ishee qofa* osoo hintaane, *namoota namittii tanaafi gosashee waliin hariiroo qabaatan, kanirraa fuudhaniifi itti heerumsiisan mara sirboota adda addaatti baafachuun guyyaa cidhaa bakka cidhaa maratti arrabsaa turani. Sirbichis:*
>
> *Ogolchoon (ta Meetii/Suubboo Xuxxee x 2)*
> *Intalaa ulfaan gurgurtee (gurra ofmurtee x 2)*
> *Seerumaa utubaan manaa seerumaa*
> *Ogolchoo daanyaan beerumaa*
> *Durbi ogiyyoo geerumaa ofiin heerumaa* (AFG: Ashoo Tongolaa, Aanaa Heexosaa, Guraandhala, 2014)

Namni Meetii Xuxxee jedhamtu tun haadha biyyaa gosa akka Arsiitti Ogolchoo jedhamuuti. Akka ibsa Aadde Ashootti, dubartiin tun yeroo biyya bulchaa turtetti dhimmoota hawaasaa adda addaarratti akkuma dhiiraa baatee hirmaatti ture. Kanarraa ka'uun hojiin dubartii tanaa akka faallaa aadaafi duudhaa hawaasaatti fudhatamuun dubartootaan qeeqame. Kunis, dubartii akka aadaatti kan silaa dhiirri ishee bulchuu qabu, isheen dhimmoota alaarratti hirmaachuun isheetiin, ishees dabalatee dubartoonni biroo gosa kana keessa jiran akka namni isaan bulchuufi too'atu hinjirreetti fudhatamani. Kanaaf, dubartii tana isheefi gosa ishee tuquuf, sirbaan, waanuma sirriin ta'ee jiru, fakkeenyaaf: durbuma gosa kanaa karaa sirriin heerumaa jirtu, akka waan osoon heerumin manatti ulfooftee heerumteetti fa'a arrabsu. Wanti dubartoonni marri dubartittiifi gosa isheellee arrabsamaniif, sababuma isheen ala ala jechuun dhimmoota hawaasaarratti dhiiraa waliin hirmaatteefi. Dubartiin osoo too'atamuu qabduu dhiiraan qixxee dhimmoota hawaasaa adda addaa fakkeenyaaf: jaarsummaa, saddeetaafi kkf fa'arratti hirmaattee argamuun akka waan

nama ishee too'atu dhabdee ofumaan heeruma dhaqxeetti—keessaayyuu, dubartootuma mataasaaniitiin ceepha'ame jechuudha.

Dubartootaas dabalatee hawaasni dubartoonni dhimmoota adda addaarratti hirmaachuu akka sirrii hintaaneetti fudhata. Dubartiin dhimmoota adda addaarrati hirmaattee murtii dabarsuun, qaamni biraa immoo murtii ishee san fudhachuun akka hanqinaatti/fafaattiifi safuun hawaasaa cabeetti ilaalama. Akkuma Dunne (2009) dubartii akka hawaasaatti cimtuu taatee iddoo hundatti hirmaattee argamte takka hawaasni ija gaariin hinilaalu jedhe, ishee ciminaan sochootee dhimmoota hawaasaa adda addaarratti argamuun haadha biyyaa taate dubartoonni gocha ishee kana maqaa itti baasanii sirbaan balaaleffachuun qeeqan. Dubartii ciminaan baatee waan dubartiin hojjechuuf hindandeessu jedhame hojjettee argamte bifa kanaan maqaa itti baasanii balaalleffachuun akka dubartoonni biroo gocha akkanaa irra deebi'anii hinraaw'anne ittiin sodaachisuufis oola. Sababnisaas, dubartiis ta'ee dhiirri daangaa duudhaan akka kennaa uumamaatti ijaaramee isaaniif kenname (Berger and Luckmann, 1966) keessaa bahanii argamuun hawaasanis ta'ee dubartootuma mataasaanitiin hinbarbaadamu waan ta'eef, kun akka taane too'achuufi.

### 7.5.4. Raaw'iilee Sirna Boo'ichaarratti Haawwaniin Raaw'ataman

Dubartoonni dhiibbaa ijaarsi duudhaa isaanirraan gaherraa ka'uun, akkuma yeroo bal'inaa bakki aadaafi duudhaa keessatti dubartiif kenname sirrii jechuun haala adda addaatiin ibsan, yeroo dhiphinaas haallitti dhimma kana kaasan jira. Fakkeenyaaf, maatii tokkorraa abbaan yoo du'e; keessayyuu, yoo abbaa ijoollee durbaa malee kan dhiiraa hinqabne ta'e, ijoolleen durbaa namicha du'ee boo'ichaan akka ergaa dabarfatan taasisamu. Kana hubachuuf, yaada ykn ragaa afgaafiin argame bifa seenessootiin asii gaditti dhihaate haa ilaallu!

> *Dur maatii ykn abbaa tokkotu ijoollee durbaa sadi qaba ture. Maatiin kun ijoollee tana kunuunsee guddisee gaafa kaan ijoolleen tun sadanuu heerumani. Erga ijoolleen dubaraa heerumtee booda guyyaan gahee abbaan isaanii du'a. Abbaan du'ee dhageenyaan ijoolleen tunneen boo'a dhufani. Erga dhufanii booda qa'ee yoo ilaalanii yeroo eebbaa ykn yoo namni namicha du'een walqabsiisanii eebbisan nama ameen jedhu dhaban. Akka aadaatti yoo abbaan du'e ilma araddaarratti hafutu ameen jedha waan ta'eef, nama kana jedhu dhabani. Ijoollee tanneen keessaa intalli hangafaa olis gadis jettee homaa waan itti tolu dhabde teessoo gannaabaasaa jettee teessee boosse. Wanti jettee boosses:*

*Hamdaa abbaa durba sadiinii*
*Adaa durbi sariinii*
*Durbi ati boonsite*
*Waa du'a si oolchitee*
*Qa'ee teellee ni goomsitee*
*Duutullee duuti hinhaftuu*
*Qa'een tee homaa hinqabdu* (AFG: Dammoo Galatoo: Aanaa Heexosaa, Waxabajjii 2013)

Akka ijaarsa aadaafi duudhaa Arsiitti, dubarri qa'ee warrashee dhaaluu, warri yoo du'e awwaaluufi du'a warraarratti yoo namni eebbisu ameen jechuu, awwaalchaan boodas namoota awwaalcharratti hirmaatan galateeffachuufi warraaf soodduu—siidaa awwaala nama du'eerraa dhaabbatu, dhaabuu hindandeessu. Boo'icha abbaa ilmaan dubaraa malee kan dhiiraa hinqabne kanarrattis wanti intalli akka ofitti gadditu taasise kanuma. Kunis akka ijaarsa aadaafi duudhaatti, maatiin ilmoo durbaa malee ilma hinqabne tokko nama qa'eesaa dhaalu dhabuun du'a lama—du'a lubbuufi nama araddaa dhaalu dhabuu du'e jechuudha. Kan boo'icha kanarratti intalli *'durbi ati boonsite, waa du'a si oolchitee, qa'ee teellee ni goomsitee'* jechuun ibsite, du'a lubbuu osoo hintaane, sababa namichi kun ilma qa'eesaa dhaalu dhabuun, qa'een goomuun—onuun, faayida maleessa ta'uun nama kanaaf du'a biraa ta'uu agarsiisa.

Akka walaloo boo'icha intalaa kanarraa mul'atutti, abbaan ijoollee durbaa hore kun ijoollee tana kan guddise kunuunsa gochuufiidhaani. Inni haala kanaan isaan guddisus ijoolleen tun nama kana qa'eesaatti hafuun warroomuun isa hinfayyadne. Kanaaf, intalli tunis akkuma dubartii kamiittuu ilaalcha hawaasaa kana kan ofii taasifattee isheen warra kan hinfayyadne ta'uu *'adaa durbi sariinii'* jechuun durba sareen walbira qabdee ibsuun gatidhabummaa ishee hawaasaan ijaarame mirkaneeffatte. Waan hawaasni jedhu ykn dhiibbaa aadaa hawaasaatiin dubartiirratti ijaarame amiin jettee fudhatte, intalaaf kunuunsi kan hinbarbaachisnellee ta'uu lallabde.

### 7.5.5. Hubannoo Dubartootaa Dhiibbaa Isaanirra Gahuurratti

Dubartoonni adeemsa ykn ijaarsa faallaa isaanii ta'e wanti ofirratti cimsaa deemaniif, wantichi akka isaan miidhu guutumatti wallaalanii osoo hintaane, ijaarsichi kan duudhaafi aadaa hawaasaa ta'uusaatiin, yoo morman aadaafi duudhaa akka cabsanitti waan fudhatamuufi. Kanaaf, isaanis ijaarsichi akka sirrii ta'eetti amananii fudhachuun ittiin jiraatu. Ragaa yaada kanaa ibsu ijoo yeroo marii garee argame ittaanu kanarraa haa ilaallu.

> *Dubartoonni ilaalchi dubartummaa isaaniif kenname kan isaan miidhu, akkasaan ofirratti murteessan kan isaan taasisu ta'uu haalli waanuma isaan jedhanirraa itti baramu jira. Kunis, gaafa deessu kan dubartii deesse yoo ta'e 'anuu dubartii ta'een durba dahee' jetti; yoo dhiira ta'e immoo 'dhiiraan dahee Rabbumatuu naaf ta'ee' jechuun ibsatti.* (MGX: Aanaa Heexosaa, Sadaasa, 2014)

Dubartiin miidhaa sababa ilaalcha hawaasaa—dubartiin hamma dhiiraa faayidaa hinqabdu jechuun itti dhufurraa ka'uun quuqaa ishee ibsatti. Kanas daa'ima deessurratti hundaa'uun, gaafa intala deesse: '*anuu dubartii ta'een durba dahee'* jechuun ibsiti. Yoo dhiira deesse immoo '*dhiiraan dahee Rabbumatuu naaf ta'ee'* jechuun ibsiti. Kanarratti gaaleen 'anuu dubartii ta'een durba da'ee' jedhu kun haala dubartiin takka aadaafi duudhaa hawaasaa keessatti keessa jirturratti hundaa'ee kan jedhameedha. Kunis, haallin ani keessa jiru, akkin ani itti fudhatamaa jiruufi kkf rakkoo ta'ee osoo jiruun, tiyyaayyuu hintaaneen ammas deebi'een namuma akka kiyya dhiibbaafi rakkoo jala jiraattu durba dahee? Gaafii jedhu kaasuufi. Ittaansee immoo gaaleen '*dhiiraan dahee Rabbumatuu naaf ta'ee'* jedhu duudhaa hawaasaa keessatti akki dhiirri itti ilaalamuufi bakki inni qabu olaanaa, abdatamaafi kan rakkoon isaarra hingeenye ta'uurraa kan ka'e haati dhiira deesse kan boontuufi gammaddu ta'uu agarsiisuuf yaada jedhameedha. Kun kan hubachiisu hawaasaas ta'ee dubartumti mataanshee akka rakkoottii kan ofilaaltu ta'uudha.

Kanaaf, ilaalcha akkanaa kanarraa ka'uun haati takka dubartuma akka ishee kan hawaasni warraaf bu'aa guddaa hinqabdu jedhee murteesse dahurraa, dhiiraa akka hawaasaatti warraaf bu'aa guddaa qaba jedhamee yaadamu dahuu wayya jettee filatti jechuudha. Kanarratti Sultana (2013: 107) haalli akkanaa kun ulfaataa ta'uu yoo ibsitu "The devastating consequence of such a representation is that womenfolk may adopt the deleterious outlooks held against them and persuade themselves that they are not capable of performing worthy and significant tasks" jedhu Lazar (2005) eeruun keesse. Ibsi yaadichaas, wanti badaan dubartoonni haalli kun (bakki dubartoonni hawaasa keessatti qaban) sirriidha—dubartiin faayidaa hinqabdu, waas raaw'achuu hindandeessu jedhanii ilaalcha kanatti ofmadaqsuun amananii fudhachuu isaaniiti.

### 7.5.6. Mormii Dubartootaa Gooroowwan Fokloorii—Sirnoota Marsaa Jireenyaa Oromoo Arsii keessatti

Ijaarsi koornayaa duudhaa hawaasaa keessa jiru dhiibbaa uumuun haadhumti deessee daa'imni isheen deesse durba yoo taatu, akka isheen hanga ilmaa hingeenye haala garagaraatiin yeroon itti

ibsitu jiraachuu haala garagaraatiin ibsameera. Fakkeenyaaf, durbi yoo dhalattu ni heerumti, isheen kan ormaati, warraafi qa'ee warraatiif homaa hingootu yaada jedhamutu jira. Haa ta'u malee, haalli tokko tokko kan dubartoonni gooroowwan fokloorii fayyadamuu ijaarsa duudhawaa dubartootaan walqabatee duudhaa keessa jiru itti qeeqan jiraachuu ragaalee argamanirraa hubachuun danda'ameera. Kana jechuun, dubartoonni ijaarsi isaaniin walqabatee duudhaa keessatti ijaarame sirrii akka hintaane haalli itti fokloorii fayyadamuun morman jira jechuudha. Greenhill fi wk (2009) akka ibsanitti, dubartoonni gooroowwan fokloorii kanneen akka sirbaa, weedduu urursaa daa'immanii, weedduu cidhaa, walaloo boo'ichaafi kkf fayyadamuun ilaalcha koornayaa loogawaa duudhaa keessa jiru mormuun ceepha'u.

Akkasumas, gooroowwan kanneen fayyadamuun hawwii, miiraa, muuxannoofi aangoosaaniis ibsatu. Gooroowwan fokloorii ilaalchi hawaasni dubartootarratti qabu mormuuf oolan kunneen akkuma gooroowwan fokloorii miidhamuu dubartootaa deeggaranii, dubartootuma mataasaaniitiin kan hurruubamaniidha. Kanas, urursaa daa'immanii haati takka yoo daa'ima sossobdu jettu, sirba dubartiin dhiibbaa duudhaa keessatti sababa dubartummaa isheerra gahu mormuuf jettuufi kkf irraa ilaaluun ni danda'ama. Ittaansee duudhaa keessatti haati takka dhiibbaa jiru urursaa daa'imaatiin akkamiin akka ibsatu faaruu ittaanurraa ilaalla.

*Gaara suraa ta suraanaa gamaa*
*(Intala x 2) siin jedhe falfalamaan*
*Sabbanni kee sabaree tiyya hoo*
*Bar hidhaana lamaa*
*Sittin furuu sittan duudha malee*
*Singurguruu sabaree tiyya hoo*
*Sittan fuudha malee* (AFG: Gishuu Kadiir, Aanaa Heexosaa, Sadaasa, 2014)

Haati tun ilmoo hawaasni intala jedhuun, kan warrashee dhiistee heerumtu, kan akka ilmaatti nama biraa qa'ee warraatti hinfidne dahuusheetiin waan quuqaan itti dhagahame fakkaata. Hawaasa keessatti maqaan intala jedhu yoo ka'e, ibsi/amantaan jiru kan heerumaan qa'ee warraa dhiiftee deemtu, kan warraaf faayidaa guddaa hinqabne kan jedhuudha. Kanaaf, haati tunis dhiibbaa aadaafi duudhaa hawaasaa daheeffatee jiru mormuuf, isaan intala, intala siin jedhanis animmoo akka ati nama biraa fiddee dhuftu sin heerumsiisu (sin gurguru), sittan fuudha malee jechuun hawwii ishee yoo daa'ima sossobdu ibsatti. Haati tun komii qabdu mormii cimaan ibsachaa jirti. Intalasheetiin 'sabbanni kee (wanti ati qabdu) bar hidhaana lamaa'—beekaa irra

qaban malee, ati dandeettii dhabdee miti kan gadiqabamtee, jechuun ijaarsa hawaasaa komate. Kanaaf, '*sittin furuu sittan duudha malee'*—sin dhiisu sin cimsa, sin jabeessa malee, jechuun quuqaashee baafatte.

Dabalataanis, faaruun kanarraa wanti hubatamu, hacuucamuufi gadi qabamuu dubartiitiif wanti gumaacha guddaa godhe, akkuma duudhaa keessatti haala adda addaatiin ibsame, yaada dubartiin ni heerumti warrasheetiif bu'aa guddaa hinbuustu jedhuudha. Intalli qa'ee keenyaatti haftee homaa nuuf hingootu jechuun hawaasni dubartii gadi qaqqabuurraan kan ka'e, haati tunis intala isheetiin namoonnis intala—kan warraaf homaa hingoone, jedhanii yoo si ibsanis, animmoo sittan fuudha jechuun ibsite. Wanti haati intalaan sittan fuudha jettuuf, fuudhuun hawaasa keessatti ilaalcha booji'uutiin—fakkeenyaaf, kan dhiirri tokko dubartii biraa alaa fiduun qa'ee warraa hoo'isa jedhamee amanamuun ibsama waan ta'eefi.

Gooroo fokloorii biraa kan dubartoonni ilaalcha loogawaa duudhaa hawaasaan dubartootarratti ijaarame mormuuf fayyadaman walaloo weedduuti. Arsiitti dubartoonni weedduu/sirba fayyadamuun quuqaafi dhiibbaa ijaarsa duudhaa dawoo gochuun irra gahu mormu. Kanas yaada afgaafiin argame 'weedduu haadhaafi ilmaa Mokonaa jedhamu, kan namoonni gurbaa 'ilma dubartiiti' jedhamu ittiin arrabsuuf weeddisan' kan armaan gadiirraa ilaaluun ni danda'ama.

***Haadha:***
*Ilma koo maaliif mushurraa kophaa bulchitee?*
***Ilma:***
*Bushiyyoo, inumaan aaree yaa haadha too*
*Farda bitee yaabbannan farda shaklaati (biyyee) naan jedhanii*
*Qawwee bitee qabannaan, qawwee shaklaati naan jedhanii*
*Akka hinajjeesneen laalafanii*
*Inuman aaree yaa haadha too*
*Kan hamaamotaa garaan of gahee,*
*Kan mushurraa cubbuutu nagahee*
***Haadha:***
*Ilma koo,*
*Ilmoo fardaas fardeentu dhalee*
*Mokaanintiis nadheentu dhalee*
*Sumattii maaltu galee?*
*Bokonaa! Bokonaa mudhii shugguxii*
*Asallaa bu'ii muggutii* (AFG: Safiyaa Burqaa Aanaa Diksiis, Sadaasa, 2014)

Sirba kanaan kan ibsame, gurbaa haadha malee abbaa hinqabne hiriyyoonni isaan yoo inni isaan waliin ooluu dhaqe, isa tuquuf ilma dubartii jedhanii kan arrabsan ta'uudha. Kanarratti wanti ibsamuuf barbaadame, hawaasa keessatti dubartiin bakka gadaanaa jedhamu sababa qabduuf, ilmi isheen abbaa malee guddifte kabaja hanga ilma abbaan guddisee akka hinqabneetti, akka dhiirrummaa guutuu ta'e hinqabneetti, akka waan hanqina wayii qabutti ilaalama. Fakkeenyaaf, akkuma hiriyyootasaa farda bitee yoo yaabbate, fardi kee farda shaklaati—meeshaa namoota ogummaa isaa qabaniin supheerraa hojjetamu, hanga farda keenyaa hingahu jedhuuni. Qawwee bitee yoo qabate, qawween kee qawwee shaklaati homaa nama hingootu jedhuuni. Kanarratti shaklaa jechuun, waanuma salphaatti cabu jechuudha. Sababni mucichaan kana jedhaniif, inni ilma dubartii waan ta'eef, akkuma dubartii nama dadhabaa ta'uusaatiin isas ta'ee wantoonni inni qabu kan akka meeshaalee cimina qabaniitti tajaajilan osoo hintaane, kan salphumatti akka shaklaatti caban ta'uu mul'isuufi.

Gurbaan ilma dubartiitti jedhamuun dhiibbaan irra gahu kun qawweensaa akkasaan jedhan san dhuguma nama hinajjeesuu? Jechuun namoota dhiibbaa isarraan gahaa turan bakka cidhaatti tarkaanfiirratti fudhachuun hamaamota guutuu fixe. Haati isaa waan inni raaw'aterraa ka'uun gaafii yoo gaafattu, innis waan ta'aa ture itti hime. Isheenis yaadichi yoo ibsitu, isaan ati ilma dubartiiti jedhanii kana sirraan gahanis, namni kamuu—ilmi abbaan guddises dubartumarraa dhalatee, sumatti maaltu galee ree? Kunis, yaadichi mormamuu akka qabu '*Bokonaa! Bokonaa mudhii shugguxii Asallaa bu'ii muggutii'* jechuun ergaa dabarsite. Yaadni kun kan mul'isu, dhiibbaa gama aadaafi duudhaatiin dubartootarra gahurraa ka'uun wanti irraa caalaan jiru dubartoonni harki guddaan ijjannoo dubartoota hacuucuutti ofmadqsanii kan fudhatan ta'us, kanneen wanti jedhamu waanuma callisee duudhaa keessatti ijaarame malee, dubartiin ni dandeessi jedhanii ijjannoo kana morman jiraachuusaaniiti.

## Boqonnaa Saddeet

### 8. Itti Fufiinsaafi Jijjiiramoota Sirnoota Marsaa Jireenyaa Oromoo Arsiirratti Mul'atan

Boqonnaa kana jalatti ijaarsa koornayaa raaw'ilee sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsiitiin mul'ataniin walqabatee jijjiiramoonni mul'atan, wantoonni osoon jijjiiramin jiraniifi jijjiiramoota uumamaniif wantoonni gumaacha taasisan maal akka ta'antu ilaalame. Amaloota fokloorii keessaa tokko jijjiiramoota tokko tokko mul'isaa itti fufuudha. Fooklooriin hawaasa tokko kan calliseetuma bifuma tokkoon itti fufu osoo hintaane, sababa jijjiiramoota karaa dhimmoota koornayaa, diinagdee, siyaasaa, hawaasummaafi kkf hawaasa tuqaniin jijjiiramoota adda addaa mul'isaa kan deemuudha. Kan waraqaa kanaan irratti xiyyeeffatame sirni marsaa jireenyaa hawaasaa kan gooroo fokloorii keessaa tokko ta'ees akkuma kana jijjiiramoota adda addaatiif kan saaxilameedha.

Hawaasni yeroo mara jijjiiramoota adda addaa keessa jira; jijjiiramni hawaasa tuqe osoo sirna hawaasaa hintuqin hinhafu. Ijaarsaaleen koornayaa raaw'ilee sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsii—dhaloota, gaa'elaafi boo'ichaa keessatti mul'atan dhimmoota hawaasaa adda addaarratti hundaa'anii kan jijjiiramaniifi osoon jijjiiramin kanneen itti fufan jiru. Akka leellistoonni yaaxxina ijaarsa hawaasaa jedhanitti, ijaarsaaleen hawaasaa jijjiirama tokko tokko agarsiisuufi osoon jijjiiramin itti fufuun amaluma isaaniti. Leellistuun yaaxxina ijaarsa hawaasaa Burr (1995) akka ibsitetti, wanti hawaasni yeroo tokko akka dhugaatti ijaare yeroo wayii dhugaa hawaasni ijaare sanarra jijjiirama agarsiise argamuu danda'a. Ijaarsaalee hawaasaa keessaa tokko kan ta'e koornayaanis jijjiirama malee yeroo tokkoo gara yeroo biraatti hince'u.

Bara ammaa namoonni sababa magaalummaafi dhuunfummaatiin akka durii walitti dhufanii jireenya waliin dabarsuufi sirnoota adda addaa waliin raaw'achuurratti hanqina qabu. Waan waliiniirraa waan dhuunfarratti xiyyeeffachuu baay'isani (Cai, H., Huang, Z., & Jing, Y., 2019). Kunimmoo aadaafi duudhaan hawaasni waliin raaw'achaa ture akka laafu, darbees akka hafu gochuurratti gahee guddaa taphachaa jira. Abbootiifi haawwotiin akka ibsanitti, sababa dhaloonni ammaa ammayyummaafi teknolojiirratti hundaa'aa jiruuf, aadaafi duudhaa ganamaa isaan dhaalchisuurratti rakkootu jira. Namoonni sababa dhiibbaa alaafi keessaa dhimmoota akka amantii, siyaasaafi diinagdeen walqabatanii dhufanirraa kan ka'e waan kaleessa aadaafi duudhaa keessatti raaw'achaa turan bara kana dhiisaniiru. Abbootiifi haawwotiin dhiibbaa gama

dhimmoota kanneenii gahurraa ka'uun beekumsaafi hubannoo aadaafi duudhaa keessatti qaban dhaloota haaraa dhaalchisanii akka itti fufu gochuurratti rakkachaaru. Dhaloonni ammaa waan ammayyummaa fakkaatuun qabamee, darbees hawaasa aadaafi duudhaan ganama keessatti laafe keessattis waan guddateef, waa'ee aadaafi duudhaa hawaasaa ganamaarraatti wanti beeku hinjiru. Kunimmoo aadaafi duudhaan ganamaa dhalootaa gara dhalootaa akka hinlufne taasisaara.

Aadaafi duudhaan Oromoo Arsii sababa dhiibbaa gama amantiin gahaa jirurraa ka'uun rakkoo guddaa jala galeera. Sababa babal'ina teknolojii bara ammaa addunyaan akka ganda tokkootti ilaalamaa jirti jedhama. Kunimmoo odeeffannoon iddoo tokko jiru dafee gara iddoo biraa akka gahuuf haala mijeessa. Odeeffannoo dafee iddoo tokko gara iddoo biraa gahaa jiru keessaa odeeffannoon waa'ee amantaalee biyya alaa kan aadaafi duudhaa ganamaa hawaasaarratti dhiibbaa gochaa jiru isa tokko. Akka Arsiitti amantiin, keessaayyuu amantiin Islaamaa Shariyaa cimsuun aadaafi duudhaan hawaasaa akka laafu gochuurratti gahee guddaa bahaara. Yeroo ammaa aadaafi duudhaan hawaasaa akka dhimma duubatti hafaa, bara ammaa waliin hindeemneefi dhimmoota Waaqarraa adda nama fageessan calaqqisiisaniitti ilaalamuun dhiibamaa jiru. Gaggeessitoonni amantii akka hawaasni wantoota dur aadaafi duudhaa keessatti fayyadamaafi raaw'achaa ture itti hinfayyadamneefi hinraaw'anne bal'inaan barsiisaaru; akka haraama ta'anittis balaaleffachaa jiru.

Arsiitti yeroo ammaa waan kamuu caalaa amantiitu jireenya hawaasaa hoogganaafi daangessaa jira. Hawaasni gochaalee dur aadaa keessatti raaw'achaa ture, yoo kan ija amantiitiin kan balaalefataman ta'e guutummaatti raaw'achuu dhiisu. Yeroo kaan immoo gochaaleen aadaa kan ija amantiitiin kan hinbalaalefatamne ta'e, amantuma waliin walbira itti dhimma bahu. Akkasumas, haalli hawaasni yeroo ammaa gama diinagdeen keessa jiru qabeenya hawaasni bara durii sirnoota adda addaa raaw'achuuf qabaachaa ture akka hinqabaannee gochuun raaw'ii sirnootaarratti dhiibbaa gochaa jiru jira. Dabalees, gama siyaasaatiinis aadaa hawaasaarratti dhiibbaan taasifamuudhaan waanuma kana fakkaatutu mul'achaara.

Jijjiiramni yeroo ammaa sirnoota marsaa jireenyaa Arsiitiin walqabatanii mul'achaa jiran karaa lamaan kanneen ilaalamaniidha. Kunis, inni tokko gochaaleen sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo

Arsiirratti ta'aa turan raaw'iin isaanii guutummaan guutuu hafuun kanneen dhiifaman/dagatamaniidha. Inni lammataa immoo gochaaleen sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsiirratti ta'aa turan bifa isaanii jijjiirrachuun waan biraatiin bakka bu'anii kanneen raaw'atamaa jiraniidha. Haaluma kanaan kutaa ittaanu keessatti dhimmoota koornayaa raaw'ilee sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsii sadan—dhaloota, gaa'elaafi boo'icha keessatti mul'ataniin walqabatee jijjiiramni akkamii akka jiruufi wantoonni osoon jijjiiramin jiran kam faan akka ta'an bal'inaan dhihaateera.

## 8.1. Jijjiiramootaafi Itti Fufiinsa Sirna Dhaloota Oromoo Arsiirratti Mul'atan

### 8.1.1. Jijjiiramootaafi Itti Fufiinsa Qophii Dubartiin Dahumsaaf Taasisturratti Mul'atan

Dhimmoonni koornayaa raaw'ii sirna dhalootaa waliin walqabatanii mul'atan, bara ammaa dhiibbaa dhimmoonni akka amantii, diinagdee, siyaasaafi hawaasummaa hawaasaarraan gahanirraa ka'uun kanneen jijjiirama mul'isan jiru; kanneen osoon jijjiiramin itti fufanis jiru. Sirna dhalootaatiin walqabatee, dubartiin garaa qabdu takka yeroo amma duraa gaafa guyyaan da'umsa ishee gahu gama nyaataa dhugaatiis ta'ee, qulqullummaatiin qophii barbaachisu gooti. Akka Arsiitti dubartiin da'umsa jala geesse takka yeroo da'umsa isheetiif dhadhaa kuusti. Akkasumas, midhaan marqaa gosa midhaanii garbuurraa xiyyeeffannoon qopheeffatti. Akkasumas, akka waraqaa kana kutaa sirna da'umsaa jalatti ibsametti, yeroo durii haawwan da'umsa jala yoo gahan qayyatanii urgeeffanii qophaa'u.

Bara ammaa garuu haalli hawaasni gama diinagdeetiin keessa jiru rakkisaa ta'uurraa kan ka'e, qophiin dubartiin da'umsaaf taasistu akka yeroo durii xiyyeeffannoon taasifamuun ni hafe. Yeroo ammaa dubartiin deessu akka yeroo durii dhadhaafi midhaan marqaa baay'ee hinqopheeffattu; da'umsa isheetiif xiyyeeffannoo hinkennitu. Akka yeroo durii dhadhaa kuusuun garbuurraa xaaxoo qopheeffatti osoo hintaane, zayitumaafi daakuu gabaarraa bitattee deessi. Yeroo ammaa dubartiin dahuun osuma jiruu qophiin isheen da'umsaaf yeroo durii si'aayinaan taasiftu hinhafe. Dhadhaan zayitaan bakka bu'e; xaaxoon garbuu daakuu qamadii waarshaatiin bakka bu'e. Waan marqamerraas haa marqamuu marqaan durirraa qabee geettii dubartiin deessee mul'isuuf marqamu marqamaaatu jira. Gama qulqullinaatiinis akka haawwan muuxannoo isaanii duriirraa ka'anii ibsanitti, yeroo ammaa hubannoon dubartoonni qayyaafi mukkeen qayyaafi

urgooftuuf oolanirratti qaban laafaa waan ta'eef, akka yeroo durii yoo da'umsa jala gahan qayyatanii urgeeffachaa hinjirani. Akka boqonnaa shan kutaa sirna da'umsaa jalatti ibsame, haalli dubartiin da'umsaan boodas sirna Qanafaa xumurtee abbaa warraa Qanafaan addarraa baateetti yoo deebitu qayyattee urgeeffachuun deebitu ture xiyyeeffaannoo dhabuun irraanfatame.

### 8.1.2. Jijjiiramoota Bakki Da'umsaa Manaa Gara Mana Yaalaa Ta'uun Dhufan

Yeroo amma duraa haawwan Arsii gaafa guyyaan da'umsi isaanii gahu manumatti dahu turan. Yeroo ammaa kanammoo karoora gama dhaabbata fayyaatiin kaahame kan dubartiin mana yaalaatti haa deessu jedhurraa haawwan baay'inaan mana yaalaatti dahaa jiru. Haawwan mana yaalaatti dahuun raaw'ileen haawwan yoo dubartiin manatti deessu raaw'atan akka hafu taasise. Kutaa sirna da'umsaa jalatti akka ibsametti, raaw'ileen dur haawwan yoo deessuun manatti dahaa turte taasisan, gaafa deessuu ciniinsuun qabu Ateetee kadhachuudha. Akkasumas, erga deessuun deessee booda deessiftuun deessuun nagaan hiikkachuu ibsuuf elelfachuudha. Yoo elelfattu immoo saala daa'ima dhalatteerratti hundaa'ee lakkoofsi ililfannaa kan ilmaa bakka tokko tokkotti yeroo shan, bakka kaanitti immoo jaha; kan intalaa bakka tokko tokkotti yeroo afur, bakka kaanitti shan ta'uun walcaala ture. Kana jechuun, ililfannaan deessiftuu waan lamaaf ta'a jechuudha. Tokko nagaan hiikkachuu deessuu ibsuufi lama immoo saala daa'imaa ifa gochuufi.

Gochaaleen haawwan yeroo dubartiin mana yaalaatti hindeenye manatti raaw'atamaa turan yeroo ammaa waan haawwan mana yaalaatti dahaa jiraniif, yoo dubartii akka tasaa manatti deesse ta'e malee hafaniiru. Kanarraa ka'uun sirni dur yoo dubartiin deessu haawwan mana isheetti taasisan—yoo deessuun ciniinsifattu faaruu Ateetee faarfachaa Waaqa kadhachuun, saala daa'ima dhalatteerratti hundaa'uun ililfannaa walcaalchisuufi kkf hafe. Saala daa'ima dhalatteerratti hundaa'uun haalli ililfannaa walcaalchisuu gochaa gaafa nafa dhiqaa taasisan qofarratti raaw'atamaa jira. Haawwan sababa dubartiin mana yaalaatti dahaa jirtuuf gochaalee gaafa dubartiin deessu manatti raaw'ataa turan dhiisanis, gochaalee koornayaa mul'isan waan gaafa nafa dhiqaa raaw'atanirratti hanga tokko raaw'ataatuma jiru.

Wantaoota yeroo ammaa sababa dubartoonni mana yaalaatti da'aa jiraniif raaw'iin isaanii hafe keessaa tokko sirna hobbaatii awwaaluuti. Haawwan yeroo durii yoo deessuun manatti dahaa turte hobbaatii tottolchanii kafanuun kabajaan awwaalaa turani (Amaanee Laloo, Aanaa Diksiis, Caamsaa 2015). Yeroo ammaa garuu sababa deessuun manatti dahaa hinjirreef, sirni hobbaatii awwaaluu da'umsa dubartiin walqabatee raaw'achaa ture hafeera.

Ragaalee kutaa sirna da'umsaa jala jiran keessatti akka dhihaatetti, haawwan Arsii dubartiin takka mana yaalaa haa ta'uu, manatti yoo deesse haadha ilma deesseef guyyaa shan/jahaffaatti sirni nafa dhiqaa raaw'atuufi. Haadha durba deesse yoo taatemmoo, deessee gaafa bultii afur/shaniitti sirni nafa dhiqaa taasifamaafi. Ililfannaan nafa dhiqaarratti taasifamus, akkuma kutaalee kana duraa keessatti ibsame, kan ilmaa shan/jahaafi kan intalaa afur/shaniidha. Adeemsi ililfannaan haadha dhiira deessee kan intala deesseerraa caaluufi guyyaan nafa dhiqaa haadha dhiiraa kan haadha intalaa olii ta'u ilmi intalarra kan caalu ta'uu kan ibsuufi ijaarsa koornayaa kan agarsiisuudha. Gochi haadha dhiira deesse kan intala deesseerra kunuunsuu—waan haadha ilma deesseef godhan kan intala deesseerra caalchisuu, yeroo amma dura ture akkasumaan itti fufee jira. Ta'us, ilaalchiifi xiyyeeffannoon dubartoonni raaw'ilee sirnoota da'umsaan walqabataniif qaban laafeera. Keessaayyuu, dhaloonni ammaa aadaafi duudhaa sirna da'umsaan walqabatanirratti hubannaafi fedha qaba jechuun rakkisaadha.

### 8.1.3. Itti Fufiinsaafi Jijjiiramoota Sirna Qanafaatiin Walqabatan

Boqonnaa shan kutaa sirna da'umsaa jalatti akka ibsametti, aadaa Arsii keessatti dubartiin yoo deesse meeshaadaa deessuun wayyuu ta'uu mul'isu Qanafaa godhatti. Kunis, saala daa'ima deesseerratti hundaa'uun yoo ilma deesse ji'a shan/jaha, yoo intala deesse immoo ji'a afur/shaniif Qanafaan turti. Deessuun yoo Qanafaan turtu wayyooma qabdi; bakka deemtu maratti dursi kennamaafi. Dabalees, yeroo Qanafaan jirtu kana abbaa warraa waliin bakka tokko hinciiftu. Haa ta'u malee, dubartiin yeroo durii erga deesse booda wayyoomaan ji'a 4/5/6'f kan kunuunfamtu ta'us, yeroo ammaa haalli kun sababa amantaa, ammayummaafi ofhubachuu dhabuutiin wanti hunduu jijjiiramaa jira. Haala kanarraa ka'uun akka haawwonni jedhanitti, darbees akka mana dubartoota dahanii dhaquun hubatameetti, yeroo ammaa Sirni Qanafaa jira jedhanii dubbachuuf nama rakkisa. Keessaayyuu, amantiin walqabatee Sirni Qanafaa akka laafuu, inumaayyuu akka badu taasifamaa jira. Fakkeenyaaf, deessuun Qanafaa akka

hingodhanne, godhattee yoo argamte immoo akka waan amantii alagaatti buluun Shariyaa cabsiteetti ilaalamti.

Sababa dhiibbaa karaa amantiifi ammayyummaa godhamaa jiruun yeroo ammaa haawwan harki caalaan sirna Qanafaafi Qanafaa godhachuu laaffisaniiru; darbees, iddoo baay'eetti dhiisaniiru. Dubartiin deessu takka meeshaaduma Qanafaa jedhamuuyyuu tolfatee manaa hinqabdu. Akka abboonniifi haawwonni ibsanitti, haawwan durii Qanafaa yeroo dahan itti gargaaramaa turan kan ijoollee isaanitti dabarsaa turan ni qabu ture.  Haa ta'u malee, yeroo ammaa Qanafaan haawwan durii harka ture sababa mootummaan meeshaadaaleen godambaa akka galan gochaa jiruuf, namoonni tokko tokkoo adamsanii haawwan harkaa guuranii gurgurataaru. Kanaaf, Qanafaan haawwan ilmaan isaanitti daddabarsaa turan dhabamuun dhaloonni ammaa waa'ee Qanafaa hubannoo dhabaa dhufani. Dhiibbaalee jiranirraa ka'uun haawwanis erga Qanafaan sababa godambaa galaatiin harka isaanii bahee booda, isaanis akkuma waan Qanafaan godambaa galee haa hafu jedhamee, xiyyeeffatanii Qanafaa biraa tolchuun dubartii amma dahaa jirtuuf gochuu ni dhiisani. Kanarratti wanti jedhamuu barbaadame meeshaadaaleen maaf godambaa galan osoo hintaane, meeshaadaaleen godambaas galanii akkuma kana immoo galumsa hawaasaa keessattis akka itti fufaniif jajjabeeffamuu qabuudha.

Akkaataan haawwan yeroo duriifi ammaa Qanafaa itti ilaalaan garaagarummaa godhate. Bakka baay'eetti haawwan yeroo ammaa Qanafaaf xiyyeeffannoo kennuufiis ta'ee Qanafaa godhachuu ni dhiisani. Bakka hanga tokko sirna Qanafaa raaw'achaa jiranitti immoo meeshaadaan haawwan akka Qanafaatti deessuutti godhaa jiran Qanafaa isa durii sirnaan qophaa'uu (suuraa 01 ilaali) sanaa miti. Fakkeenyaaf, akkuma fakkii 02 boqonnaa shan kutaa sirna da'umsaa jalatti dhihaaterraa ilaaluun danda'amu, wanti haawwan yeroo ammaa akka Qanafaatti dubartii deesseetti godhaa jiran Qanafaa isa durii kan muka hindheessaarraa hojjettemee miti. Qanafaan inni durii sababa dhiibbaalee eeraman kanneenii yeroo ammaa kana bal'inaan hawaasa keessatti hinargamu. Kanaaf, yeroo ammaa haawwan waanuma Qanafaa fakkaatu wayii calleerraa hojjetanii (suuraa 02 ilaali) deessuutti hidhu. Akka haawwan jedhanitti, erga hidhamees akka isa durii san yeroo barbaachisu deessuurra turee sirnaan bu'a/bobbaasama osoo hintaane, yeroo muraasa booda akkuma ta'etti bu'a.

Sirna Qanafaarratti wanti jijjiirameefi itti fufe maali yoo jedhame, haaawwan osuma dahaa jiranuu xiyyeeffannoon isaan sirna Qanafaafi Qanafaaf qaban laafuun hanga baduurra gaheera. Meeshaadaan Qanafaa jedhamu kan wayyooma qabu, inni sirnaan muka hindheessaarraa tolfamu—kan bara amma duraa haawwan mana deessuutti *‘Qanafaan hindheessaa deessuu tiyya maaloo Rabbiitiin si dheessaa’* jedhanii faarsaa turan jijjiiramuun meeshuma salphaatti callee gabaa bitamerraa tolfameen bakka bu’e. Kabajni namoonni Qanafaaf qaban xiqqaachuun dubartiin Qanafaa godhatte akka nama amantii alagaa hordofeetti ceepha’amaa jirti. Bara durii deessuun Qanafachuun wayyoomtuu ta’uushee dubartoota biroorraa Qanafaan adda baastee mul’isti. Bara ammaa kun hafuun deessuu wayyooma dhabde; haalli deessuun dubartoota biroorraa adda baatee itti beekamtus ni hafe. Hawaasa keessatti yeroo ammaa waa’een Qanafaa akka seenaatti ka’ee haasa’amaara malee dhaloonni ammaa waa’ee Qanafaarratti hubannoon qaban laafaa ta’e. Meeshaadaan Qanafaa jedhamu kan wayyooma deessuu mul’isu akka meeshaa amantaa alagaa mul’isuutti ilaalamuun gaggeessitoota amantaatiin balaaleffatamaara. Dabalees, sirnoonni yoo dubartiin Qanafaa bobbaastu raaw’ataman kan akka deessuun guyyuma kana mana hangafaa dhaqxee daa’imaaf maqaa moggaasisuufi kkf walumaan hafani.




**Suuraa 13: Qanafaa isa durii haawwan tolchuun itti fayyadamaniifi kan warri amma calleerraa tolchuun itti fayyadamaa jiran mul’isan**

### 8.1.4. Fooyyaniinsa Ilaalcha Hawaasaa Dhaloota Durbaatiin Walqabatee Ture

Yeroo ammaa isuma dur barameen mana haadha ilma deesseetti irra caalaa haa elelfamu, nafa dhiqaan haadha ilma deessee kan haadha intala deessee haa dheeratu, haati ilma deesse yeroo dheeraa Qanafaan turti haa jedhamu malee, ilaalchi akka bara durii dhalachuu durbaa jibbu hinjiru. Kanaan walqabatee ragaan afgaafiin argame kan ittaanu kana.

> *Yeroo amma duraa dhalachuu durbaatti namoonni baay'ee hingammadani. Akkoon tiyya akka natti himtetti, maatiin tokko deddeebisee durba yoo argate ni gata ture. Kanarraa ka'uu manni durbi itti dhalatte gammachuu hinqabu. Kan ibsuuf namoonni yoo haasa'an waan callisa qabu tokko ibsuuf 'maa callistan ree akka mana durbi itti dhalattee? Ta'us, ilaalchi 'daaraa haranii gatu, durbas dhalanii gatu' jedhu bara ammaa fooyya'eera; dhalachuun durbaa akka bara durii jibbamaa hinjiru. Yeroo ammaa durbi biyya alaa deemtee warra fayyadaa waan jirtuuf, intala deettanii Birbidilibsii Suudii jala seentanii jedhamaa jira.* (AFG: Alimaa Yaaddoo, Aanaa Muunessaa, Waxabajjii, 2014)

Yeroo ammaa sababa wantootaa bara waliin dhufaniirraa ka'een aadaafi duudhaa Oromoo Arsiirratti dhiibbaaleen garagaraa gahaa kan jiranis ta'u, ilaalcha bara durii dhaloota durbaatiin walqabatee jirurratti fooyya'iinsi waan argame fakkaata. Ragaan argame akka ibsutti, bara durii ilaalcha sirrii hintaane—araddaa ormaa jedhu dubartiin walqabatee ijaaramerraa ka'uun maatii tokko durbi deddeebitee mana isaaniitti yoo dhalatte baasanii hanga gatuu fa'arra gahu. Kanuma waliin walqabatee haadha warraa deddeebitee durba deessees, wayyooma dhabsiisuun hanga hiikuutti gahu ture.

Haa ta'u malee, yeroo ammaa ilaalchi dhaloota durbaa jibbuu xiqqaateera. Namoonni ragaa naaf kennan akka ibsanitti, yeroo ammaa inumaa dhaloota durbaatu irra barbaadamaara. Sababnisaas, bara ammaa maatiin ijoollee durbaa gara biyyoota alaa erguun qarshii argataara. Bara ammaa dhaloonni durbaa jaalatamuun, dhaloota durbaatiin walqabatee rakkoon ijaarsa aadaa keessa jiru diigamee osoo hintaane, gargaarsa ijoolleen durbaa gama diinagdeetiin maatiif gochaa jirturraa ka'uudhaani. Yeroo ammaa ijoolleen durbaa hanga tokko erga mana barumsaa turanii booda carraan biyya alaa maatiin mijaa'uufiidhaan gara biyya alaa deemuun warraaf; kan heeruman yoo ta'an immoo abbootii warraa isaanitiif galii argamsiisaaru. Galii ijoolleen durbaa yeroo ammaa argamsiisaa jiranirraa ka'uun—kunis dubartootaafi hawaasarratti dhiibbaa hangana hinjedhamne kan qabuufi kan qorannoo biraa barbaadus ta'u, yeroo ammaa dhaloonni durbaa gara jaaalatamuu dhufe. Dabalees, ilaalchi yeroo durii dhaloota durbaatiin walqabatee ture yeroo

ammaa wanti fooyya'aa dhufeef, hawaasni gama ammayyummaatiin fooyya'aa waan jiruufi. Kanaaf, bara ammaa ilaalchi durba hanga gatuutti nama geessu sun jijjiirameera jechuudha.

## 8.2. Itti Fufiinsaafi Jijjiiramoota Sirna Gaa'elaa Oromoo Arsiirratti Mul'atan

Qorannoo kana boqonnaa shan kutaa sirna gaa'elaa jalatti akka ibsametti, sirnoonni gaa'elaa akka Arsiitti beekaman Kadhaa, Buttaa, Aseennaa, Membeetoofi Dhaala. Haalli addunyaan yeroo ammaa keessa jirtu kutaa addunyaa kamirrattuu dhiibbaa fiduun jijjiiramoota tokko tokko uumuunsaa hinoolu. Haaluma kanaan dhimmoota akka amantii, ammayyummaafi diinagdee fa'arratti hundaa'uun gosoota gaa'elaa Oromoo Arsiirrattis jijjiiramni mul'ateefi wantoonni itti fufan jiru. Wantoota jijjiiraman yoo ilaallu wantoonni tokko tokko akkuma jiraaniin hafuun/dhiifamuun isaan kuun immoo waan biraatiin bakka yoo bu'an mul'ata. Kutaa kana jalatti gosoonni sirna gaa'elaa kunneen yeroo ammaa maalirra akka jiraniifi jijjiiramni akkamii akka isaanirratti mul'atetu dhihaate. Akkasumas, raaw'ilee sirna gaa'ela kadhaa keessatti raaw'atanii walqabatee jijjiiramni akkamii akka jiruufi wanti iffi fufe maal akka ta'etu maata-dureelee ittaanaan keessatti ibsame.

### 8.2.1. Jijjiiramootaafi Itti Fufiinsa Gosoota Gaa'elaa Oromoo Arsiirratti Mul'atan

Waan haalli yeroo ammaa fiderratti hundaa'uun gosoota gaa'elaa Oromoo Arsii keessaa kanneen haala amma jiru waliin hindeeman, mirga namaarratti dhiibbaa qaban jedhamuun akka hafan ta'an jiru. Gosoonni gaa'elaa kunneenis: Buttaa, Dhaalaafi Meembeetoo faadha. Gosoonni gaa'elaa kunneen fedhaafi mirga namaa—keessaayyuu, kan dubartootaarratti dhiibbaa qabu jedhamuun yeroo ammaa akka hinraaw'atamne dhoorkamaniiru. Sirnoonni gaa'elaa kunneen dubartootarratti dhiibbaa qabu jedhamuun akka hafaniif gorfamus, turtii hawaasa keessa tureen namoota sirnoota gaa'elaa kanneeniin mana ijaarratanirraa akka hubadhetti, gosoonni gaa'elaa kunneen darbee darbee hawaasa keessatti hojjoomaatuma jiru ykn darbee darbee hawaasni dhimma itti bahaatuma jira.

Gosoota gaa'ela Arsii keessaa Aseennaa yoo fudhannu immoo sirni kun osoo gosoonni gaa'elaa Buttaa, Dhaalaafi Meembeetoo faan haa hafan hinjedhamin dura hafe jedhu manguddoonni. Kutaa sirna gaa'eelaa jalatti akka ibsametti, Aseennaan sirna gaa'elaa intalli heeruuman turte takka Siinqee qabattee seeraan mana nama itti heerumuuf fedha qabduu dhaqxuudha. Akka

abboonniifi haawwonni ibsanitti, Aseennaan inni durii intalli takka Siinqeen mana dhiira itti heerumuu feetuu dhaqxu yeroo ammaa hafe jedhamus, wantumti isa fakkaatu kan durbi takka feestala qabattee dhiiraan waliin galtu jira. Ragaan kana ibsu marii garee xiyyeeffannoon argame kan ittaanu kana.

> *Dur intalli akka aadaa keenyaatti seeraan Aseennaa dhaqxi ture. Bara ammaa haftuun Aseennaa haa ta'uu kan biraa kan waanin isaa hinbeekamte feestaaluma qabattee dhiira waliin deemti. Kan intalli feestaalii qabattee gurbaa waliin galtu kun akka Gadaa keenyaatti jilba (seera ittiin ilaalamu) hinqabu. Ta'us, seeruma itti gooneti warra gurbaa warra intalaatti araarsuun fixaa jirra. Akki itti fixaa jirrus yoo gurbaafi intalli walfudhatanii deeman sirna Gad-naataa'i jedhuun warri gurbaa guyyaa sadi keessatti warra intalaa dhaquun: diida hindhaqinaa, diina hindhaqinaa intalli teessan nubira jirtii jechuun ibsu.* (MGX: Aanaa Muunessaa, Waxabajjii 2014).

Akka ibsa abbootaafi haawwotaa kanatti Aseennaan dur intalli Siinqeen dhaqxu intala feestala qabattee dhaqxuu bakka bu'e jedhu. Kanarratti Aseennaan abboonniifi haawwonni intalli feestala qabattee dhaqxi jedhanii ibsan, kan yeroo ammaa gurbaafi intalli waljaalatanii waliin galanii boodarra warri lamaan sirna Gad-naataa'i jedhuun adeemsuma sirna gaa'elaa kadhaa keessatti ta'uun araaramaniidha. Haala kana keessatti Gad-naataa'i jechuun, intalli teessan nu bira jirti diida, diina—bakka hinbeekamnee, bakka biraa dhaqxanii rakkoo biraa hinfidinaa, nuuf tasgabbaa'aa kan jedhu agarsiisa. Akka ragaan argame mul'isutti, yeroo ammaa haalli kun hawaasa keessatti bal'inaan adeemsifamaa kan jiruufi ummannis fudhateetma dhimma itti bahaara.

#### 8.2.2. Jijjiiramootaafi Itti Fufiinsa Gochaalee Gaa'ela Duraa

**a. Itti Fufiinsaafi Jijjiirama Sirna Intala Ilaallachuufi Ergachuurratti Mul'atu:** adeemsa sirna gaa'ela Kadhaa keessatti qabxiin dura ilaalamu akkuma kutaa sirna gaa'elaa jalatti ibsame, warri/gosni gurbaa intalaa ilma isaaniitiif taatu ilaallachuudha. Gaa'ela kadhaa keessatti yeroo amma duraa warri gurbaa ilma isaaniitti fuudhuu yoo fedhan intala ilma isaaniitiif taatu ofiif ilaalanii itti fuudhu ture. Warri gurbaa adeemsa intala ilaallachuu keessatti waan lama raaw'atu. Tokko intalli isaan ilma isaaniitti fuudhuu hedaniifi warri ishee naamusa gaarii qabaachuu adda baasuufi. Bara durii gurbaafi intalli guyyuma cidhaa walargan ture. Bara amma duraa durbi hanga guyyaa heerumaan dhaqxuutti warraafi gurbaa fuudhaaf ishee barbaaduu ni dheessiti ture.

Ta’us, haalli kun amma jijjiirameera. Bara ammaa gurbaan fuudha yoo gahe tokko intala ofiif jaalate ofiif ilaallatee erga intalaanis waliigalee booda warri akka dhaqanii kadhataniif godha.

Qabxiin inni lammataa warri gurbaa adeemsa intala ilaallacahuutiin adda baasan gosa intalaa qorachuudha. Warri gurbaa gosa intalaa qorachuun wanti isaan raaw’atan gosni intala isaan fuudhaaf barbaadanii gosa akka duudhaa Arsiitti keessaa fuudhuu danda’aniifi hindandeenye ta’uusaa adda baasuufi. Bara durii kun ta’us yeroo ammaa hinjiru. Bara ammaa sababa gurbaafi intalli marii warraa malee bakka barnootaafi kkf’nitti walarganii dursanii dubbii fixaniif, dhimmi warri gurbaa waa’ee intalaafi gosashee qorachuu baay’ee xiyyeeffatamaa hinjiru. Yeroo ammaa gaa’elli baay’een, keessaayyuu kan namoota baratanii bifuma kanaan adeemaa jira. Kunimmoo aadaafi duudhaa dur barame kan warri gurbaa gosa intalaa qorachuufi intala ilaallachuu jechuun raaw’atu jijjiiramuun akka hafu ta’aara.

Bara ammaa intalli fuudhaaf barbaadan akka durii gurbaafi warra gurbaa kan baqattus ta’uu baatu, durbi mataa akka gadi qabattu inuma barbaadama. Ijoollee dhiiraafi durbaa akkitti ilaalan, ishee durbaatiin yoo waa jedhan maal ati durba mitii jedhanii akkasheen akka hiriyoota ishee dhiiraatti akka hinsochoone inuma dhiibbaa godhu. Boqonnaa shan mata-duree intala ilaallacahuu jedhu jalatti warri durbaa yaaddoo qaba kan jedhamu yeroo ammaa kanas inuma calaqqisa. Baruma barnoonniifi ammayummaan babal’ate kana keessatti durba yoo guddisan akkasheen ilaalcha dhiiratu dubartii hoogganuu qaba, gama hundaan dubartiin dhiirarratti hirkachuu qabdi jedhuun ijaaramtu godhu. Dubartiin diinagdeenillee kan ofdandeesse yoo taate ijaarsuma aadaa jirurraa ka’uun olaantummaan kanuma dhiiraati jedhama. Boqonnaa torba mata-duree jijjiirama sirna dhalootaa jalatti akka ibsametti, bara ijoolleen durbaa sababa biyyaa alaa deemanii hojjechuutiin qabeenya dhiiraarratti qofa hirkatanii buluun hafee diinagdeen jijjiiramaaru. Kun ta’us olaantumaan kan dhiiraa akkuma ta’etti itti fufe.

Sababa ammayyummaafi barnootaa sirni intala qorachuufi ilaallachuu warra gurbaatiin ta’u hafee gurbaafi intalli erga waliigalanii booda gurbaan warra intalaatti ergachuun adeemsi gaa’ela hundeessuu itti fufa. Sirna gaa’ela hundeessuu keessatti adeemsi hordofamu wanti jijjiirame hinjiru; isuma boqonnaa shan sirna gaa’elaa mata-duree ergachuufi saddeeta dhaabbachuu jedhu jalatti ibsameedha.

**Jijjiiramuu Sirna Intala Kittaanuufi Heexoo Obaasuu:** sirni saddeeta dhaabbachuu xumuramuun guyyaan cidhaa erga qabamee akkuma kutaa sirna gaa'elaa jalatti dhihaate, warri intalaa cidhaaf jiini tokko yoo hafu intalaaf sirna kittaannaa raaw'atu. Warri intalaa cidha jala gahaanii intala kittaanuun intalli kabaja/dubrummaa akka qabdu mirkaneessuufi. Inni biraa immoo intalli gurbaadhaaf akka bitamtuuf humna ishee laafisuufi. Kun ta'us, sirni kittaannaa yeroo ammaa miidhaa inni fayyaa dubartootaarraan gahuurraa kan ka'e gama saayinsii fayyaatti barmaatilee badaa jedhamuun dhoorkameera. Kanaarra ka'uun sirni dhaqna qabaa yeroo amma duraa yoo cidhaaf jiini tokko hafu sirnaan intala heerumtuuf taasifamu yeroo ammaa kana guutumatti hafuun haalli jijjiirameera. Haalli kun gama fayyaafi mirga dubartootaa eeguutiin jijjiirama gaarii gama barnootaafi ammayyaa'uun argameedha. Kun ta'us garuu kanaan walqabatee hawaasni, keessaayyuu, haawwan komii kaasan qabu. Komichi maal akka ta'e yaada afgaafiin argame ittaanurraa haa ilaallu.

> *Yeroo kittaannaan jiru san durbi kabaja/durbummaa ishee eeggattee heerumaa turte. Amma garuu kittaannaan hafuun baalagummaan baay'atee durbi akkuma feeteetti heerumaa jirti. Yeroo ammaa durbi safuu dhabdee jirti. Dur durbi hanga gaafa heerumtuutti oljettee nama hinilaaltu ture. Amma barnoota jedhamee badhema keessa deemtee dhiira waliin dhaabbachaa oolti. Yookaanis durbaafi dhiirri feestaluma qabaniituma walfudhatanii badu. Aadaan keenyaa durii badeera.* (AFG: Ashoo Tongolaa Aanaa Heexosaa, Caamsaa, 2015)

Yaadni afgaafii kun kan ibsu, ciini yoo gahu haawwan akka yeroo dur intala kittaannuun hafuun intalli durbummaa qabaatteefi dhabdee adda baasu isaan dhoorke. Dabalees kittaannaan hafuun inataalf bilisummaa kennuun akka isheen durbummaa ishee hineegganeef haala mijeesse. Yeroo dur haawwan intalli heerumtu yoo ciini gahu waan kittaanamtuuf durbummaa ishee eeggatti jedhu. Bara ammaa garuu kittaannaan waan hafeef, heerumaan dura akka feete ta'aa jirti jechuun ibsu. Dabalees, yeroo ammaa durbi sababa barnootaa akka feeteetti manaayis bahaa waan jirtuuf, kan bara durii safuu eeggattee heerumaa turte amma safuu cabsaa jirti. Akka ibsa haawwaniitti, barnoonniifi ammayyummaan jireenya hawaasaarratti fooyya'iinsa kan fides ta'u garuu gama haala kanaatiin safuu hawaasaa cabsuurratti miidhaa fidaara jechuudha. Akka ibsa haawwaniirraa hubachuun danda'ametti, ijoolleen durbaa mana barumsaa yoo deeman safuu cabsu jedhamanii manatti dhoorkamuu, yoo heeruman kittaanamuu qabu jechuu osoon, akka isaan waan isaaniifi hawaasa miidhurratti hubannoo argatan gochuufi gorsuu barbaachisa.

Boqonnaa shan kutaa sirna gaa'elaa jalatti akka ibsametti, bara durii keessa durbi durbummaan heerumuun murteessaa ture. Haawwanis intalli hanga gaafa heerumtuutti dubrummaa ishee akka hindhabne xiyyeeffannoon eegu turani. Gaa'ela keessatti intalli dubrummaa qabachuun hariiroo warra soddaa lamaan cimsuurratti gahee guddaa qaba. Kanarraa ka'uun gaa'elarratti warriifi gosni gurbaa fuudhuu intalli ilmi isaanii fuudhe dubrummaa qabaachuufi dhabuu ishee, xiyyeeffannoon hordofu. Intalli dubrummaa yoo qabaatte isheefi warra ishee cimina qabu jechuun jaju; yoo faallaa kanaa ta'e immoo akkasuma bal'inaan ceepha'u. Bara ammaa garuu, keessaayyuu namoota baratan biratti, gurbaa fuudhuun ala carraan namoonni biroo intalli durba ta'uufi dhiisuu ishee beekuuf qaban xiqqaadha. Sababnisaas, yeroo ammaa gaa'elli baay'een waliigaltee warraa osoo hintaane, fedhii gurbaa fuudhuufi intala heerumtuurratti hundaa'uun adeemsifamaa jira waan ta'eefi. Gaa'ela yeroo ammaarratti gurbaafi intallli gaa'elaan dura waan hunda fixatanii booda gaa'elli godhamuu danda'a.

Yaadni haawwanii durbi sababa barnootaafi jijjiirama yeroo manaa bahuun safuun akka cabe—durbi heerumaan dura durbummaa dhabaa akka jirtu ibsa. Kanarratti safuu cabsuurratti gahee bahaa kan jiru durba qofa miti. Akka ragaa dhihaaterraa hubachuun danda'amu dhiirris gahee inuma keessaa qaba. Garuu durbi sababa barnootaa manaa bahuun jijjiiramni tokko tokko dhufuun akka isaaniin qofa baalagummaan baay'ateetti ilaalame. Gama dhiiraatiin akka ragaan argame ibsutti, ammas ta'ee bara durii dhiirri gaa'elaan dura waan fedhe yoo raaw'ate isatti hinxiyyeeffatamu. Kanarratti wanti adda bahuu qabu, yeroo duris ta'ee amma dhiirri fuudhaan dura waan fedhe yoo raaw'atu baalagummaan baay'ate hinjedhamne. Har'a garuu, dubartoonni manaa bahuun jalqabnaan baalagummaan baay'ate jedhame. Kun kan agarsiisu hawaasni dhiiraafi dubartii ija walqixxaataa ta'een akka hinilaaleefi dubartiin dhiirarraa akka xiyyeeffatamtuudha. Akka qorannoo kanaattis wanti jedhamaa jiru haalli kun ta'uun—dhiirris fuudhaan dura qeerrummaasaa cabsee, durbis heerumaan dura dubrummaashee balleessitee heerumuun, aadaafi duudhaan ummataa haa cabuu miti. Namni kamuu fuudhaafi heerumaan dura gocha sirrii hintaane raaw'achuun safuu hawaasa yoo cabse, dhiiraas ta'ee dubartiin yeroo, haalaafi bakka kamittuu madaala sirrii ta'een ilaalamuun ceepha'amuu qabu.

Qabxiin biraa gaa'elarratti intala heerumtuun walqabatee raaw'atu sirna intala heexoo obaasuufi qeensa qoruuti. Akkuma kutaa sirna gaa'elaa jalatti ibsame, yeroo amma duraa haawwan intalli

heerumtu gurbaa fuudhuuf akka ajajmtu ykn akka humna isaatii olhintaane laaffisuuf heexoo obaasuun akka nyaata gahaa hinyaanne gochaa turani. Dabalees, homa yoo waliiti makan humna godhattee ittiin mormitu ta'e akka ishee ittiin hinmormineef, qeensa ishee hanga walakkaatti irraa muran ture. Bara durii haalli kun turus, bara ammaa keessa haalli kun haala mirga dhala namaarratti miidhaa qabu ta'uusaatiin hafeera. Akka haawwan ibsanitti, gaa'ela bara durii keessatti wanti intalli yoo yeroo jalqabatiif gurbaan walitti makamtu, gurbaa fuudhuun mormituuf, sababa gaa'elli bara durii fedha warraarratti hundaa'ee raaw'atamuuf, intala gaa'ellichi kan fedha isheerratti hundaa'e ta'uu dhiisuus mala. Akkasumas, intalli heerumtu yoo yeroo jalqabaa gurbaa ishee fuudhuun walitti makamtu ittiin mormuun akka baree gaariitti waan fudhatamuufi.  Dabalees, akka aadaatti dubartiin akka ittiin mormitu beekama waan ta'eef, ittiin hinmormine akka hinjedhamneefis intalli kana gooti. Akkuma qabxiilee biroo haalli kunis bara ammaa jijjiirameera. Inumaayyuu yeroo ammaa gaa'elli baay'een, kan raaw'ii aadaa ganamaa hawaasaarratti dhiibbaa qabaachaa jiru ta'us, fedha gurbaafi intala heerumtuurratti hundaa'ee adeemsifamaara.

**Itti Fufiinsaafi Jijjiirama Sirna Jaalaa Jaaltittiirrati Mul'atu:** Gaa'elarratti gurbaan fuudhu jaaltota lama kan jaala kooraafi jaala masaktuu ykn jaala abbaafi ilmaa jedhama bulfata. Abbootiin akka ibsanitti, jaaltota bulfachuu keessatti seerri nama jaala namaaf ta'u itti bulfatantu ture. Kunis, namoonni jaala walii ta'aa dhufan tokko abbaarraa gara ilmaa sararaan darbaa kan deemuudha. Jechuun, akkuma kutaa sirna gaa'elaa jalatti ka'e namoonni jaala walii ta'an wayyooma waliirraa waan qabaniif, akkaatuma wayyooma waliin qaban cimsuun osoo walhinjijjiirin jaalaa jaaltittii walii ta'aa ilmaa gara abbaatti daddabarsaa deemu. Kun ta'us akka abboonni ibsanitti, yeroo ammaa adeemsiifi safuun jaalaa jaaltittii inni abboonni hojjoomsaa dhufan baduun dhaloonni ammaa akkuma fedhanitti namootuma jaalaa jaaltittii waliin ta'uu hindandeenyeen jaala waliin ta'aaru.

Dhaloonni ammaa safuu jaalaa jaaltittii dhabuuf akka abboonni ibsaniitti, ka'umsi dhaloonni ammaa ammayyummaafi qabxiilee biroorraa ka'uun xiyyeeffannoo dhabuudha. Haalli yeroo ammaa jiru akka dhaloonni duudhaa hawaasaaf xiyyeeffannoo hinkennine taasisaara. Kunis, dhaloonni ammaa akka ammayyummaan aadaa ofii dhiisuutti fudhachuun hubannoo tokko malee safuu abbootaafi haawwaotaa dhiisaa jiru. Dhimma dhaloonni ammaa safuu jaalaa jaaltittii

ganamaa itti dhiisan keessaa tokko horii/qarsii baay'ee argachuuf kan jedhuudha. Akka abboonni ibsanitti, yeroo ammaa ijoolleen akkuma lakkoofsi jaalaa baay'atu qarshiinis baay'ata ilaalcha jedhurraa, lakkoofsa jaalaa bara durii murtaa'aa ta'e—yoo baay'ate sadi kan hincaalle nama baay'ee jaala godhachaaru.

### 8.2.3. Jijjiiramootaafi Itti Fufiinsa Gochaalee Yeroo Gaa'elaa

**Jijjiiramuu Sirna Waddeessa Qalachuu:** waraqaa kana kutaa sirna gaa'eelaa jalatti akka ibsametti, gochaalee gurbaan fuudhu yeroo gaa'elaa raaw'atu keessaa tokko, sirna Waddeessa qalachuuti. Sirni Waddeesa qalachuu gurbaan fuudhu raaw'atu bara ammaa dhiibbaalee gama amantii, ammayyummaafi diinagdee gahaa jiruun iddoo baay'eetti xiyyeeffannoo dhabuun hafaara. Sirni Waddeessa qalachuu sirna duudhaa Oromoo Arsii keessatti bakka guddaa qabuufi sirna gurbaan fuudhu ittiin falatuufi abbaa dhimmaa ta'uusaa ittiin ofbeeksisuudha. Kun ta'us, yeroo ammaa sirni kun hawaasa amantii cimsaniifi abbootii amantii/Sheekkotaan akka sirna amantii alagaa hordofuutti ilaalamuun akka hafu ta'aara. Gama diinagdeetiin immoo Waddeessa qalachuun hoola qabachuu waan nama feesisuuf, haalli yeroo ammaa hawaasni gama diinagdeen keessa jiru rakkisaadha. Kunimmoo, Sirna Waddeessa qalachuurratti dhiibbaa taasise.

Ijoon inni biraa yeroo ammaa akka sirni Waddeessa qalachuu laafu taasisan wantoota ammayyummaa hordofanii dhufaniidha. Wantoota bifa kanaan dhufan keessaa tokko konkolaataadha. Wanta gurbaan fuudhu Waddeessa qalatee raaw'atu keessaa tokko Waddeessa qalaterraa Beendhecha baasee farda fuudha ittiin deemutti hidhuudha. Yeroo ammaa iddoo baay'eetti (bakka konkolaataa seensisuuf rakkisaa ta'een alatti) gurbaan fuudhu wanti yaabbatee fuudha dhaqu akka yeroo durii farda osoo hintaane, konkolaataadha. Kanaaf, gurbaan fuudhu Waddeessa qalaterraa Beendhecha baasee farda fuudha ittiin deemutti hidhuun ni hafe. Kunimmoo kan agarsiisu, ammayyummaan hawaasni aadaa dur ture akka laaffisu, darbees akka dhiisu ykn aadaan akka jijjiiramu gochuurratti gahee bahaa kan jiru ta'uudha.

**Itti Fufiinsaafi Jijjiirama Gama Sirna Daraaraa, Mijuufi Muudaa Gaa'elaatiin Jiru:** sirna Waddeessa qalachuu qofa osoo hintaane, gochaaleen sirna gaa'elaarratti raaw'ataman hedduun faanuma sababoota adda addaa—amantii, ammayyummaafi hanqina diinagdeetiin dhiibbaan irra gahuun akka hafan ta'aara. Fakkeenyaaf, Guyyaa cidhaa manasaatii yoo bahu Daraaraan haadhaa

Mijuufi Muudaa waliin dhihaachuun Daraaraa dhandhamee, mijuu unatee muuddachuun baha. Guyyaa kana gurbaan yoo Dararaa haadhaatiin eebbifatee bahu haati ykn dubartii hangafni kan muuddu, sababa akka amantii Islaamaatti dhiiraafi dubartiin walbira hinseenneef/hinteenyeef, iddoo tokko tokkootti dubartiin hafteeti dhiirri akka muudu ta'e. Iddoo kaanitti immoo yoo gurbaan fuudhaaf bahu, dubartumatu muudee baasa. Kanarratti maaltu jijjiiramee, maaltu immoo itti fufe kan jedhuuf, Daraaraan haadhaa gurbaan yoo bahu dhamdhamu, mijuu unatuufi muudaa muudaturratti nama muudutu sababa amantii iddoo tokko tokkotti dubartiirraa dhiiratti jijjiirame malee inuma jira. Kana jechuun, iddoo maratti dhiirumatu muuda osoo hintaane, iddoo tokko tokko iddootti dubartiin muudus kan jiru ta'uu daaw'annaa ta'een adda baheera.

**Itti Fufiinsaafi Jijjiirama Faaruufi Sirboota Gaa'elaarratti Mul'achaaru:** gochaalee gaa'elarratti ta'aniifi akka gaa'elli kaawoo qabaatu taasisan keessaa tokko faaruufi sirba mana gurbaafi intalaatti dubartootaan faarsamuufi sirbamuudha. Ta'us, faaruufi sirbi sirna gaa'eelaarratti gahee guddaa qaban kunneen yeroo ammaa hojiirra oolmaan isaanii baay'ee laafeera. Iddoo tokko tokkotti dhimmoonni akka amantiifi ammayyummaa; keessaayyuu, amantiin dhiibbaarratti taasisuun akka hafan gochaara. Fakkennyaaf, bakka cidhaa mana warra gurbaatti argamuun akka daaw'atametti, yoo gurbaan fuudha bahuufi fuudhee galu dubartoonni *'Ashoo Aashilaa'* jechaa gurbaa fuudhu faarsani. Ta'us, abbootiin amantii dubartoota hamaamota faana bahuuniifi simachuun gurbaa fuudhu faarsaa jiran akka isaan gara manaa oldeebi'anii yoo itti dheekkaman mul'ata.

Warri dhiiraa dubartoonni faaruun gaa'elaatiin gurbaa fuudhu akka hinfaarsine dhimmi godhaniif inni tokko akka seera amantiitti dubartiin namoota dura baatee mul'achuun waan hinbarbaadamneefi. Inni biraaa immoo akka amantiitti sirbi haraama waan jedhamuufi. Dhimma kanaafi kkf irraa ka'uun dubartoonni faaruu yeroo gaa'elaa faarsaman jechuurratti fedha dhabuun mana gurbaattis ta'ee kan intalaatti faaruun gaa'elarratti faarsamu sadarkaa hafuurra gaheera. Akka mana cidhaa warra intala heerumtuufi gurbaa fuudhuu dhaquun daaw'atametti, bakka faaruulee aadaa cidharratti jedhamanii yeroo ammaa sirboota ammayyaafi faaruulee qabiyyee amantii qabantu teephiirraa sagalee guddistuun dhagahama.

**Itti Fufiinsaafi Jijjiirama Sirna Gaa'elarratti gama Dhaamsa Abbaafi Haadhaa Jiru:** kutaa sirna gaa'elaa jalatti akka ibsametti, guyyaa cidhaa yeroo gurbaan warra intalaa jirutti sirnoonni

adda addaa—abbaafi haati intalaa dhaamsa dhaammatan qabu. Aanaalee iddattoo qorannoo kanaa ta'an sadanitti mana gurbaafi intalaatti guyyaa sirni gaa'elaa adeemsifamu argamuun akka daaw'atametti, dhaamsi abbaafi haati intalaa yeroo durii gaa'elarratti dabarfataa turan yeroo ammaa akka abboonniifi haawwonni yeroo marii ibsanitti, karaa sirnaawaa ta'een adeemsifamaa hinjiru. Dhaamsi abbaan intalaa hamaamotarratti gosa warra intalasaa fuudhaniif dhaamu yeroo ammaa yoo tole dhaamamaa ykn xiyyeeffannoo dhabuun irruma darbamaa jira. Haala kanarraa dhaamsi abbaan intalaa gaa'elarratti dhaammatu hafe jechuun nidanda'ama. Akkasumas, dhaamsi haati intalaa gurbaa intala ishee fuudhuuf akkuma kutaa sirna gaa'eelaafi fakkoommii jalatti ka'e '*Hoo Baarree Hoo Barsee'* jechuun dhaammattu meeshaaduma Baarree jedhamtu waliinuu bifa sirnaawaa ta'een hinjiru. Buna Qalaan haati intalaa gurbaa intala ishee fuudhuuf kennituus akkasuma hinjiru.

Mana warra intala heerumtuutti argamuun akka daaw'atametti, yoo gurbaan haadha intalaa harka fuudhuu wanti haati intalaa gurbaatti kennitu isa haawwonni yeroo marii jedhan, kan kutaa sirna gaa'elaa jalatti ibsanirraa adda. Ragaa boqonnaa shan kutaa sirna gaa'elaa jala jiru keessatti akka ibsametti, haati intalaa yoo gurbaan harka fuudhuu dhaqu Buna Qalaa qopheessitee Baarree aannaniin guutame Siinqee waliin itti kenniti. Akka Baarree haawwan manaa qabaniifi godambaa jiru daaw'achuun hubatametti, Baarreen yeroo durii haati gaa'elarratti gurbaa intala ishee fuudhuutti kennitu guddaadha. Siinqeenis godambaa dhaquun akka daaw'atametti, Siinqeen gaa'elaa haawwonni itti fayyadamaa turan kan godambaa keessa jirtu ishee amma intala heerumtuuf kennamaa jirturraa adda. Kunis, Siinqeen haawwan fayyadamaa turan faaya homaatuu ofirraa kan hinqabneedha. Isheen ammaa intala heerumtuuf kennamaa jirtu garuu (bakka kennamutti, iddoo tokko tokkotti kennamaa hinjirtu waan ta'eef) calleen kan faayamteedha.

Garaagarummaan meeshaadaaleen kanneenirratti yeroo ammaa mul'achaa jiru kun naannoo magaalaafi baadiyyaattis ni hundaa'a. Warri magaalaa kaka'umsa yeroo ammaa aadaa Oromoorratti ta'aan jiruun meeshaadaalee kanneen ammayyeessanii itti fayyadamuuf yaalaa jiru. Warri baadiyyaa immoo hanga tokko itti fayyadama meeshaadaalee kanneenirratti xiyyeeffannaa dhabuun yoo laafan mul'ata. Siinqee yoo ilaallu, Siinqeen bara ammaa naannoo magaala fakkaatanitti intala heerumtuuf kennamaa jirtu calleen kan faayamteedha. Gama Baarreetiin yoo

ilaalamu immoo, naannoo magaalaatti bakka Baarree meeshaadaa hanga Baarree hingeenye, calleen faayamteefi aannan ofkeessaa hinqabneetu bu'ee kennamaa jira. Meeshaan bakka Baarree buute tun faayumaaf kan qabatamtu malee, tajaajila Baarreen kennitu kan kennitu miti. Naannoo baadiyyaatti immoo bakka tokko tokko malee Siinqeen hinjirtu; Baarruma qofatu sirnaan haadha intalaatiin osoo hintaane, namuma ta'een warra intala fuudhuu dhufetti kennama.

Meeshaadaalee dhaamsa haadhaarratti haati gurbaa intalashee fuudhuutti kennituun walqabatee haalli yeroo ammaa waliigalaan jiru walmakaadha. Haala kana keessatti wanti jijjiirameefi itti fufe maal kan jedhuuf, haati intalaa dhaamsa dhaammachuuf yaaluun—Siinqeefi Baarree qabattee gurbaa fuudhuutti kennuun aadaa dur jiru mul'isuuf yaaluun waan itti fufe agarsiisa. Garuummoo gama meeshaadaafi Buna Qalaa haati intalaa qabattee gurbaa fuudhuuf kennituutiin haalli baadiyyaas ta'ee iddoo hanga tokko magaalummaan keessaa calaqqissutti mul'atu jijjiirameera. Akka aanaalee iddattoo qorannoo kanaa ta'anitti argamuun daaw'atametti, haati intalaa meeshaadaalee kanneen gurbaa intala ishee fuudhuutti yoo kennitu akka ragaa kutaa sirna gaa'elaa jala jiruu *'Hoo Baarree, Hoo Barsee'* jechaa miti kan itti kennitu; caljetteetuma itti kenniti. Kutaa sirna gaa'elaa jalatti akka ibsametti, haati intalaa *'Hoo Baarree, Hoo Barsee'* jechuun gurbaa fuudhuutti intala ishee hadaaraa kennachuu ibsa kan jedhamu, yeroo amma sababa jechi kun hafeef jijjiirameera jechuudha. Akkasumas, Bunni Qalaan waadaa warra gubaafi intalaa cimsus waan hinjirreef, waadaanis walumaan hafe.

Akka ragaan argame mul'isutti, qabxiilee keeyyata olaanu keessatti ibsamaniin ala jijjiiramni jiru inni biraa jijjiirama gama bakka Baarreetti waa naqanitti, waan Baarreetti naqamuun mul'atuudha. Wanti yeroo ammaa gaa'elarratti warri intalaa Baarreetti naqan (bakka Baarreetti waa naqanitti) sababa hawaasarra gama diinagdeetiin dhiibbaan gaheef aannaniraa gara waan biraatti jijjiiramaara. Kunis, iddoo tokko tokkootti ummanni aannan dhabuurraan kan ka'e, Baarree dur yoo intalli heerumtu aannan itti naqanitti waan biraa—dhugaatii kenneettoo jedhamu kan garbuu akaayamerraa hojjetamu naqaaru. Akka haawwan jedhanitti, intala yoo heerumsiisan akkuma seerri Baarree hinhafneefi Baarreen duwwaa hinbaaneef, gama looniitiin hanqinni dhufee aannan dhabamnaan waan yeroon fide dhugaatii alkoolii hintaane kan kenneettoo jedhamu itti naquu eegalani.

**Itti Fufiinsaafi Jijjiirama Gochaalee Warri Gurbaa Hormaata Intalaaf Raaw'atanii:** gaa'elarratti warri gurbaa intala yoo manaan gahatan milkiin tolee hormaanni akka qajeeluuf, garbuu ykn biqila garbuu itilleerratti naquun ilma akka baachisan boqonnaa shan jalatti ibsameera. Kun ta'us sababa dhimmoota adda addaa aadaa hawaasaarratti dhiibbaa geessisaa jiranii—amantii, ammayyummaafi xiyyeeffannoo dhabuu, haalli yeroo ammaa sirni kun Arsiitti itti hojjoomaa jiru sadarkaa hafe jedhamurra jira. Iddoo ykn warra amantii cimsan biratti raaw'iin isaa akka nama amantii alagaa hordofeetti ilaalamuun hafeera. Akka iddoo cidhaatti argamuun daaw'atametti, warrumti sirna kana gochuuf yaalanuu dhimma kanaaf xiyyeeffannoo kennanii waan guutuu ta'e gochaa hinjirani; waluma keessa mammaku. Sirna kanaaf xiyyeeffannoo kennuu dhabuun walkeessa makaa raaw'achuuf wantoonni sababa ta'animmoo dhiibbaalee gama amantii, ammayummaafi kkf jiraniidha. Kun ta'us iddoon sirni kun hanga tokko xiyyeeffannoon itti raaw'atamaa jirus inuma jira.

**Itti Fufiinsaafi Jijjiirama Sirna Rakoo Intalli Gosa Gurbaatti Ittiin Warroomtuu:** sirni inni biraa Oromoon Arsii yoo gaa'elaan intala warroomfatu taasisu Sirna Rakoo qaluuti. Bara durii Oromoon Arsii akka ammaa kana osoo hintaane, intala yoo warroomfatu Rakoo itti qala ture. Ragaan yaada kana ibsu afgaafiin argame kan ittaanu kana.

> *Oromoon Arsii dur intala fuudhetti hoolaa* osoo hintaane*, raada Seerfixeetti jedhamtu qala ture. Ittaansee haalli jijjiiramuu hoolaa qaluu eegalani. Hooluma qalan sanuu amantiin cimnaan Rakoo dhiisanii bakka Rakoo Nikaaya hidhuu eegalani. (AGF: Dammoo Boonsoo, Aanaa Muunessaa, Fulbaana 2016).*

Oromoon Arsii dhiiga Rakootiin intala dhiiga isaanii hintaane alaa fuudhaan dhiiga isaanii taasifachuun warroomfataa turani. Akkuma ragaa afgaafiin dhihaaterraa mul'atu, Oromoon Arsii dur Rakoof Raada Seerfixeetti jedhamtu—kan warra intala fuudheefi intala gidduutti seera fixxu, qaluun intala warroomsatu ture. Adeemsa yeroo booda Raaddi Seerfixeetiin sababa diinagdeerraa kan ka'e hoolaan bakka buute. Yeroo ammaa hoolaan Rakoos sababa amantiitiin akka amantii alagaatti ilaalamuun ceepha'amtee akka haftu taate. Sirna Gaa'elaarratti argamuun akkan hubadhetti, hoolaan Rakoo yeroo amma duraa duudhaa Arsii keessatti yoo gurbaan intala manaan gahatu itti qalu yeroo ammaa hinjiru (Daaw'annaa, Aanaa Heexosaa, Caamsaa 2015). Kanarraa ka'uun Nikaayni akka Amantii Islaamaatti seera Shariyaarratti hundaa'u Rakoo bakka

bu'uun tajaajilaa jira. Kana jechuun, yeroo ammaa akka Arsiitti Rakoofi safuun Rakoo hafuun wanti intalli warra ishee fuudhetti ittiin warroomaa jirtu seera Shariyaatiin Nikaaya jechuudha.

**Itti Fufiinsaafi Jijjiiramoota Sirna Gaal'elaarratti Dhoofsisan Walqabatan:** boqonnaa shan kutaa sirna gaa'elaa jalatti akka ibsametti, sirnoota gaa'ela Arsiin walqabatanii raaw'ataman keessatti tokko sirna Dhoofsisaati. Akkuma jedhame Dhoofsisni gurbaa fuudhuufi intala heerumtuuf guyyaa murtiiti; guyyaa warra karraa ta'uun warrummaan isaanii itti mirkaana'uudha. Ragaan argame akka mul'isutti, Sirni dhoofsiisaa sirna warriifi gosni misirroota walfuudhaniif qabeenyaafi kennaa kennaniidha. Haalli misisrrootaaf kennaa kennuun warra qabeenya itti taasisan dhimmoota akka diinagdee, ammayyummaafi kkf irraa ka'uun inni ammaafi yeroo amma duraa addummaa qaba.

Abboonni akka ibsanitti, bara amma duraa kennaan warriifi gosni misrroota walfuudhaniif kennan looniifi lafa qonnaa ture. Wantumti sirni kun dhoofsisa itti jedhameefuu, waan abbaafi gosni loon dhahuun misirrootatti mul'isuun kennuufii isaanii ittiin mirkaneessaniifi. Yeroo amma duraa hawaasni loon waan qabuuf, yoo ilmatti fuudhe loon kennuufiif dhoofsifachiisa. Akkasumas, diinagdeen hawaasaa kanirratti hundaa'e lafa kennaafi. Kun ta'us, haalli amma hawaasni gama qabeenyaa looniifi lafaatiin irra jiru hanqina waan qabuuf, sirni dhoofsisaa loonirra ka'uun maqaa argate kun haalli raaw'isaa hawaasa keessatti xiqqaateera. Akka ragaan argame agarsiisutti, namoota tokko tokko biratti malee, sirni dhoofsisaa looniifi lafarratti hundaa'e sadarkaa hinjiru jedhamurra gaheera. Bakka isaa garuu, hawaasni waanuma humni hayyamu, kennaawwan adda addaa—uffata, meeshaalee manaafi kkf kennuun sirni kun akka raaw'atu taasisaara. Kana jechuun, bakka loon jirutti loon dhoofsisaa hinjiran jechuu miti. Bakka loon jirutti loonuma dhoofsisu; bakka hijirreetti immoo haala kanaan raaw'atu. Gama kaaniin immoo naannoo magaalummaa qabanitti, dhoofsifni looniifi lafa qonnaarraa gara meeshaalee manaa, uffataa, qarshiifi lafa magaalaa mana irratti ijaaruuf ooluufi manatti jijjiirame.

**Jijjiiramuu Namoota Hamaamota Deemanii:** dhimma sirna gaa'elaatiin walqabatee jijjiiramni irratti mul'ate keessaa inni biraa dhimma dubartoonni bara durii hamaamota hindeemneefi yeroo ammaa deemuu eegalaniidha. Akka abboonniifi haawwonni ibsanitti, yeroo durii dubartiin hamaamota hindeemtu ture; amma garuu hanga dhiiraa baay'achuus baattu deemaa jirti. Dhimmi kun sirna gaa'elaarratti argamuun karaa daaw'annaas akka mirkanaa'etti, yeroo ammaa ijoolleen

durbaa, keessaayyuu, cidha naannoo magaalaarratti darbee darbee hamaamota yoo deeman mul'ata. Bara durii akka aadaa Arsiitti dubartiin hamaamota deemuu safuudha. Ammas akka abboonni jedhanitti, gama amantiitiin dubartiin dhiira waliin baate hamaamota deemuun dhoorkaadha. Ta'us, akka abboonni ibsanitti, osuma dhoorkamuu iddoo tokko tokkotti ijoolleen shamarranii dhoorkaa abboota amantaa darbuun hamaamota deemaaru. Kuni ta'uun ija hawaasaatiin waan barri ammaa nutti fide, waan aadaafi amantii keenyarraa maqe jedhamuun balaaleffatamaa jira.

## 8.3. Itti Fufiinsaafi Jijjiiramoota Sirna Boo'ichaa Oromoo Arsiirratti Mul'atan

Mata-duree kana jalatti sirna boo'icha Arsiitiin walqabatee jijjiiramniifi itti fufiinsi jiru maal akka fakkaatutu ilaalame. Jijjiiramni yeroo ammaa karaa garagaraa hawaasa muudachaa jiru sirna hawaasaa keessaa tokko kan ta'e, sirna boo'icha Oromoo Arsiirrattis jijjiirama fiduunsaa waan hafu miti. Raaw'ileen sirna boo'icha Arsiirratti bara durii raaw'atamaa turan yeroo ammaa isaan kuun jijjiiramanii waan biraan bakka bu'an; isaan kuunimmoo raaw'iin isaanii hafee irraanfataman; isaan kuun raaw'iin isaanii itti fufuun ammas hojjoomaa jiru. Kanaaf, kutaa kana jalatti sirna boo'ichaa Arsiin walqabatee mata-dureeleen kunneen adda addatti dhihaatu osoo hintaane, isa kamtu jijjiiramee kamiin bakka bu'e, isa kamtu sababa maalitiif raaw'iin isaa hafe kan jedhuufi kan itti fufe maal akka ta'e walfaana dhihaachuun ibsamani.

### 8.3.1. Itti Fufiinsaafi Jijjiirama Boochisa Nama Du'eerratti Mul'ate

Akkuma boqonnaa shan kutaa sirna boo'ichaa jalatti ibsame, akka Arsiitti namni, keessaayyuu, dhiirri yoo du'e boochisni/Hoolamshoon jabduu inni dalageefi gootummaa inni qabu kaasanii boochisuufi. Ta'us sirni kun yeroo ammaa sababa dhiibbaalee kallattii garagaraarraa jiraniif—keessaayyuu, amantiin walqabatee raaw'iin isaa dhoorkameera. Amantiin alas haalli hawaasni yeroo ammaa gama hundaan—diinagdeen, hawaasummaan, siyaasaafi kkf keessa jiru raaw'iilee aadaa baraman karaa baramaniin akka raaw'ataman gochuurratti dhiibbaa guddaa qabu. Dur akka Arsiitti akkuma jedhame dhiirri jabaan yoo du'e, jabduufi oolmaa inni gaafa lubbuun jiru dalage kaasanii boochisaniif ture. Kun ta'us, yeroo ammaa sirni akkanaa haala garagaraarra ka'uun akkuma yaada ittaanu kanarraa mul'atu raaw'iin isaa laafeera; hinjiru.

> *Yeroo amma duraa hawaasa keessatti duuti baay'attee hinuumamtu ture. Kanarraa ka'uun waan tokko yoo ibsan bara ebelu du'e san jedhama ture. Amma garuu hawaasa*

> *keessatti duuti salphuma taate. Eenyu akka nama ajjeesu hinbeekamu. Kanaaf, duuti namaa akka durii sanatti kabajamtee namaaf boochisuun hinhafe.* (AFG: Fayyoo Garoo, Aanaa Muunessaa, Onkoloolessa, 2015)

Akka ibsa afgaafii kanaatti bara ammaa haalli hawaasni gama hundaan, keessaayyuu, siyaasaatiin keessa jiru duuti akka baay'atu godhuun duuti namaa akka kabaja dhabdu taasise. Namni du'uun waanu akka salphaatti ilaalamu ta'uun, sirni namoonni yoo namni du'e boochisaaf taasisan akka hafu ta'e. Haalli kun namni kan du'eef sirnaan boo'uu mitii kan jiruufuu/jireenyaafuu akka yaadda'u taasisa. Kun kan agarsiisu, haalli hawaasni itti saaxilamu tokko—gama amantiin, siyaasaatiin, hawaasummaatiin, diinagdeetiin aadaan hawaasaa akka jijjiiramu, hafuufi kkf gochuurratti dhiibbaa qabaachuudha. Kun ta'us, abboonni waan yeroo tokko tokko isaan muudaturraa ka'anii akka ibsanitti, yeroo tokko tokko hawaasa keessatti namni hawaasaaf oolmaa guddaa ooleefi beekamaa ta'e yoo du'e, namoonni fardaan boochisuufii yoo yaalaan mul'ata. Akka ibsa namootaatti haalli kun darbee darbee tasa mul'ata malee, boochisni jira waan nama jechisiisuu miti.

### 8.3.2. Jijjiiramootaafi Itti Fufiinsa Du'a Haadhaafi Abbaan Warraan Walqabatan

Ragaa boqonnaa shan mata-duree sirna boo'icha Arsii jalatti akka dhihaateetti, haadha warraa irraa abbaan warraa ykn abbaa warraa jala haati warraa yoo duute, haalatti sihaa jabeessuu jadhamanii eebbifamantu jira. Haadha warraa irraa abbaan warraa irraa du'een: '*Rabbiin sihaa jabbeessu, maatiifi gosasaa waliin si haa bulchu'* jedhanii eebbisu. Abbaa warraa haati warraa jalaa duuteen immoo '*Rabbiin itillee tee dachaate siif haa diriirsu, mana kee qorre siif haa hoo'isu, balbala kee cufame siif banu'* jedhanii jajjabeessu. Eebba abbaa warraafi haati warraa eebbifaman kanarraa akkuma ifu, haadha warraa abbaan warraa irraa du'e *'maatiifi gosasaa waliin sihaa bulchu'* jechuun erga inni du'ee gosuma isaa keessa taa'i, gara biraa deemtee hinheerumin, yoo heerumtellee akkuma akka aadaa Arsiitti niitiin dhirsi irraa du'e gosaan dhaalamtu, gosa waliin buli—dhaalami ergaa jedhu dabarsuufi. Haa ta'u malee, yeroo ammaa sirni haati warraa abbaan warraarraa du'e gosaan/obboleessaan dhaalamtu sababa gama ammayyummaatiin mirgi dubartootaa haa kabajamu jedhamuuf hafaara.

Kana qofa osoo hintaane, akka haawwonniifi abboonni ibsanitti, mirgi dubartootaa akka kabajamuuf qofa osoo hintaane, diinagdeerraanis kan ka'e—dhiirri tokko haadha warraa

obboleessaa dhaalee ijoolleen yoo dhalatan qabeenya abbaa keenyaa jechuun qabeenya haadha warraa duraa mormuu waan jalqabaniif, kunis akka dhaalli hafuuf sababa ta'uu eegale. Dabalees, ijoolleen namichi dhaalu bakka duraatii qabus qabeenya bakka abbaan isaanii dhaalee kan abbaa keenyaati jechuun mormuu waan danda'aniif kunis dhaalarratti dhiibbaa gochuu eegale. Dhimmi kun akkanaan dhaalli akka hafuuf sababa ta'uuf, wanti ka'umsa ta'e, gama ammayyummaatiin namni hubannoo argachuufi hanqinni diinagdees muudachaa waan dhufeefi. Kanaaf, eebbi niitii yoo dhirsi irraa du'e, dhaalas keessa ibsuuf '*gosa isaa waliin si haa bulchu*' jedhamu sababa barnootaa ykn ammayyummaa akka hafu ta'aara. Ta'us, turtii yeroo dirree qorannoorraa akkan hubadhetti, namoonni baay'eenis xiyyeeffannoo dhabaniif ta'us haalli kun guuttumman hafuu hindandeenye.

Gama eebba abbaa warraa haati warraa jalaa duuttetiinis kan '*Rabbiin itillee tee dachaate siif haa diriirsu, mana kee qorre siif haa hoo'isu, balbala kee cufame siif haa banu'* jedhu, ergaansaa haadha warraa biraa siif haa baasu fuudhi jechuudha. Haadha warraa biraa siif haa baasu jechuu keessatti akkuma kutaa sirna boo'ichaa jalatti ibsame, gosni abbaa warraa haati warraa jalaa duute warra intala duutee akka isaan intala biraa Meembeetoon kennaniif 'itilleen teenya dachaate, manni keenya cufameefi kkf' jechuun gaafatu. Haa ta'u malee, yeroo ammaa sirni Meembeetoos akkuma sirna dhaalaa mirga dubartootaa miidha jedhamuun akka hafu gama seeraatiin murtee'eera. Kan jechuun, sirni guyyaa awwaalaa warri gurbaa haati warraa jalaa duutee awwaalarratti *'Itilleen teenya dachaate, balballi keenya cufamee reeffa kana jala nu awwaalaa'* jedhanii warra intalaa akkasaan obboleettii intalaa ykn intala gosaa akka kennaniif kadhatan akka hafu ta'e jechuudha. Kun ta'us, eebbi abbaan warraa niitiin jalaa duute, '*Rabbiin itillee tee dachaate siif haa diriirsu'* jedhamuun eebbifamu inuma jira. Sababnisaas, haala amma jiruun abbaan warraa haati warraa jalaa duute, akka Meembotoon hinfuune ta'e malee, haadha warraa biraa akka fuune miti.

Gochaalee du'aan walqabatanii raaw'atamaniifi raaw'iin isaanii akka duriitti ta'aa hinjirre keessaa inni biraa gadda haati warraa abbaan waraa irraa du'e gadditu kan gufufa jedhamuudha. Yeroo amma duraa akkuma kutaa sirna boo'ichaa mata-duree 'Gufufa' jedhu jalatti ibsame, haati warraa abbaan warraa irraa du'e takka hanga waggaa tokkoo ofmiidhuun—dhiqachuu, filachuu, dibachuu, qeensa qorachuu, sirreerra rafuufi kkf dhiisuudhaan abbaa warraa iseetiif gadditi ture.

Haa ta’u malee, haalli kun yeroo ammaa wantoota adda addaa—ammayyumaa, amantaa fa’arraa kan ka’e laafeera. Akka haawwonni ibsanitti, yeroo ammaa dubartiin abbaan warraarraa du’e akka yeroo durii yeroo dheeraa ofmiidhaan abbaa warraatiif gufufaa hinjirani. Amantaanis dubartiin abbaan warraarraa du’e yeroo dheeraa (guyyaa afurtamaa hanga ji’a afur/shan kan hincaalle akka gadditu jedha) akka gadditu hinhayyamu. Kanarraa ka’uun yeroo ammaa haalli dubartiin yoo abbaan warraa irraa boqote ofmiidhuun—keessaayyuu, qulqulluummaa ishee eeggachuu dhiisuun turtu jijjiirameera.

Haati warraa abbaa warraa ishee du’eef hanga waggaa tokkoo gufufuu keessatti, bara durii gaafa waggaa geessu hiriyyoonni ishee itti dhaquun irraa miiccanii qopheessuun akka dhaalamtu godhu ture. Bara ammaa dhaalli akkuma jedhame sababa miga dubartootaafi diinagdeerraa ka’een akka hafu ta’e. Akkasumas, miidhaan dubartii abbaan warraan irraa du’es karaa gufufaa irra gahus ni xiqqaate. Kana jechuun, yeroo ammaa kan yeroo amma duraa dubartiin takka hanga waggaa tokkoo ofmiidhuun abbaa warraatiif gufuftuufi dhaalatu hafe malee, dubartiin abbaan warraa irraa du’e takka qabeeyuma ishee keesstti nama biraatti akka heerumtuuf wanti jijjiirame hinjiru. Kanarratti eebbi haadha warraa abbaan warraarraa du’e ‘*gosa isaa waliin si haa bulchu’* dhaaluma qofatu hanga tokko hafe malee inuma jira. Aadaa Arsii keessatti yeroo ammaas dubartiin abbaan warraa irra du’e takka yoo heeruma barbaadde, qa’ee ishee dhiistee deemti malee, qa’eesheetti bultii biraa qabachuu hindandeessu.

### 8.3.2. Itti Fufiinsaafi Jijjiirama Nama Du’eef Kaaya Baasuurratti Mul’ate

Qorannoo kana boqonnaa shan kutaa sirna boo’ichaa jalatti akka ibsametti, gochaalee yoo namni tokko du’e taasisan keessaa saalaafi umrii nama du’eerratti hundaa’uun horii qalanii kaaya baasuun isa tokko. Akka abboonniifi haawwonni ibsanitti, aadaa Arsii keessatti bara amma duraa yoo dhiirri du’e sangaa/korma, yoo dubartiin duute immoo sa’a/horii dhalaa awwaalarratti qalanii biraa deemu ture. Yeroo sanatti ilaalcha horii kaayaaf qalame Oromoon hinyaatu jedhamutu ture. Yeroo booda amantiinis cimee horiin kaayaaf qalame nyaatamuu qabe.

Horiin kaayaaf qalamu hinyaatamu kan jedhamaa ture, adeemsa keessa nyaatamuu kan eegales ta’u, yeroo ammaa immoo haalli kun dhimmoota adda addaa—amantii, diinagdee fa’arraa ka’uun nama du’eef horii qalanii kaaya baasuunuu hafaara. Keessaayyuu, gama amantiitiin nama

du'eef, horii qalanii kaaya baasuun ni dhoorkama. Gama diinagdees haalli hawaasni amma keessa jiru ulfaataa ta'uurraa ka ka'e, nama du'eef horii qalanii kaaya baasuun rakkisaadha. Akkuma kutaa sirna boo'ichaa jalatti ibsame, kaaya baasuun horii qaluu qofa osoo hintaane, nyaataafi dhugaatii manatti qophaa'uufi kan firri Qorii Baasuu jedhee fidus dabalata. Haaluma kanaan yeroo ammaa amantaan walqabatee haalli kunillee akka hafuuf, *'Horiillee, Qoriillee dhiisaa'* (Muhaammad Aadam, Aanaa Heexosaa) jedhamaa jira.

### 8.3.3. Jijjiiramuu Sirna Soodduu Dhaabuu

Sirni biraa akka Arsiitti du'a nama tokkootiin walqabatee ta'u sirna Soodduu dhaabuuti. Soodduun akkuma boqonnaalee waraqaa kanaa boqonnaa afur, shaniifi torba keessatti ibsame, meeshaadaa namni tokko (abbaan) yoo du'e akka Arsiitti asitti awwaalamee nama sanaa mul'isuuf, ilmi dhaabuudha. Kanarraa ka'uun Oromoo Arsii ilmaa intala yoo ibsu, intalli hanga ilmaa kan hingeenye ibsuuf, *'intalli maal namaaf gooti waa soodduu namaaf dhaabdii'*—intalli kan ormaatii asturanii keenya waa mul'istii jechuun ibsa. Meeshaan Oromoon Arsii bifa kanaan ibsu, kan ilmi awwaala abbaarra dhaabuufi gootummaa abbaa ibsu kun yeroo ammaa awwaalarra dhaabbachaa hinjiru. Akka meeshaa bara durii kan bara ammaa waliin hideemnetti ilaalamaara.

Yeroo ammaa bakka meeshaadaa Soodduu akka abbootiin ibsanitti, siidaatu simintoon awwaalarratti tolfamaa jira. Egaa Soodduun aadaa keessatti tolfamuun ilmi awwaala abbaarra dhaabbaa ture, yeroo ammaa sababa ammayyummaafi amantiitiin hafuun jijjiirameera. Meeshaadaan kun hafuun ilaalchi isa faana ture kan ilmaa intalaan walqabatus akka hafu taasisa. Ta'us, akka yeroo dirree qorannoo turame hubatametti, meeshaadaan kun qabatamaan raaw'iinsaa hafuun ilaalchi isa waliin ture—keessaayyuu, kan ilmaa intalaan walqabatu guutummaatti akka hafu waan taasise miti.

## 8.4. Sochiilee Duudhaalee Laafan Dandamachiisuufi Deebisanii Ijaaruu

Duudhaaleen hawaasaa dhiibbaalee alaafi keessaan (siyaasa, amantii, ammayyummaa, diinagdeefi kkf) irra gahaa turaniifi jiranirraa ka'uun bifa dur qaban gadi dhiisanii warri kuun raaw'iileen isaanii hafuun yoo dagataman, warri kuunimmoo xiyyeeffannoo dhabuun raaw'ileen isaanii laafe. Oromoon Arsii sirna gita bittaa 1880'oota isa muudachaa dhufeen duudhaasaa ganamaatiif xiyyeeffannoon qabu xiqqaachaa dhufe (Gnamo, 1995; Damusee, 2006). Yeroo

kanaa eegalee dhiibbaa siyaasaafi amantiirraa kan ka’e sirnoonni Oromoo Arsii hedduun—Sirna Gadaa faan addaan citan. Sirna ce’umsa Itoophiyaa 1991 booda yeroo mirgi sabaafi sablamoota haa kabajamu jedhamerraa jalqabee sirnoonni hawaasaa garagaraa akka dandamataniifi deebi’anii ijaaraman sochiileen adda addaa gama mootummaafi ummataatiin taasifamuu eegalani. Kana booda sirni Gadaa Arsii waggaa 150’f addaan cite deebi’ee akka ijaaramu yaalamaa jira. “*Gadaan Sikkoo-Mandoo akka deebi’uuf abboonni yeroo Gadaan addaan cite san eenyu faan akka keessa jiran qoratamanii filuun sirni Gadaa keenya deebi’aara. Abbootii Gadaa haala kanaan filataman keessaa tokko ana”* (Leencoo Jiruu, Aanaa Heexosaa, waxabajjii 2013).


Akka abbaan Gadaa Leencoon ibsanitti, Gadaan Sikkoo-Mandoo erga waggaa 150 addaan cite booda yeroo dhihoo, naannoo waggaa sadii hincaalle, keessatti reefu namoonni waan jirurraa walqorachuufi seenaa qorachuun akka deebi’uuf sochii taasisaa jiru malee, wanti qabatamaan marsaa waggaa saddeet saddeetiin ta’u hinjiru. Akka ibsa Abbaa Gadaa Leencootti, Oromoon Sikkoo yeroo ammaa Gadaa marsaa waggaa saddeetiirratti hundaa’ee haa raaw’achuu baatu malee, sirnoota adda addaa—fakkeenyaaf, Sirna Gumaa Baasuufi kkf Gadaarratti hundaa’anii raaw’atu. Sinoota ummataa sababa dhiibbaalee alaafi keessaa laafaa dhufan deebisaanii ijaaruurratti haallonni tokko tokko sirnicha keessatti fudhatama hinqabne yoo uumaman mul’ata. Fakkeenyaaf, haalli yeroo ammaa ummata keessatti Abbaa Gadaafi Haadha Siinqee jechuun akka waan Abbaan Gadaafi Haati Siinqee sadarkaa walfakkaataa qabanii abbootaafi haawwota filatanii gama biirootiin dhimma itti bahaa jiran adeemsa bu’ura Sirna Gadaarratti hundaa’e miti. Abboonniifi haawwonni akka ibsanitti, iddoo baay’eetti namoonni Abbaa Gadaafi Haadha Siinqee jedhamuun tajaajilaa jiran waa’ee waan bakka bu’anii tajaajilaa jiran wanti kana hunda beekan hijiru.

Akka waliigalatti, yeroo ammaa kana akka ummanni aadaasaa beekuufi cimsatu, darbees, eenyummaasaatti akka boonu kan taasifamaa jirus ta’u, haallitti namoonni aadaasaanii xiyyeeffachaa jiraniifi sochiin taasisaa jiran haala beekumsa aadaa ganamaarratti hundaa’eenii miti. Sochiifi carraaqqiin dhaloonni ammaa aadaasaa cimsuufi eenyummaasaan boonuuf gochaa jiru gaarii ta’ee osoo jiruu, haalli kun beekumsa abbootaafi haawwota Oromoo Arsii ganamaarratti hundaa’uun ykn abboonniifi haawwoonni dhaloota ammaa duudhaa ganamaa Oromoo Arsii barsiisuurratti qooda mataasaanii ba’uun osoo ta’ee bu’aa gaarii qabaata

| *SMJ* | **Taateewwan** | | **Koorna-yaa** | **Dhuudhaa keessaatti** | **Haala Qabatamaa Ammaa** | **Yaada** |
|---|---|---|---|---|---|---|
| ***Dha-loota*** | Jecha | Ililfannaa | Dhiira | Yeroo 6/4 | Iddoo tokko tokkotti durbaafi walqixa ililfachuu yaalaaru. | Dhiibbaa ammayyummaa |
| | | | Durba | Yeroo 5/3 | | |
| | Gocha | Hoboxaa | Dhiira | Qorii lama; nama maratu nyaata | Akka waliigalaatti hafeera jechuuf ni danda'ama | Dhiibbaa alaa dhufanirra (Amantii, hammayyummafi waan ofiif bakka dhabuurra kan madde ), Diinagdee |
| | | | Durba | Qorii tokko; dhiirri hinyaatu | | |
| | Meesh-aadaa | Qanafaa | Dhiira | Ji'a 6/4 | Harka caalaa hafeera; bakka jiruttis calleen bakka bu'ee yeroo muraasa godhatama. Dubartoonni hinqabani. | Amantiin dhiibbaan guddaan irra gahe; akka meeshaa amantii alagaa ibsuutti fudhatame<br>Guuramee gurguramaara |
| | | | Durba | Ji'a 5/3 | | |
| ***Gaa-'ela*** | Jecha | Hoo Baarree, hoo Barsee | Dhiira | Dhaamsa haadha intalaa gurbaaf | Xiyyeeffannoon hojjoomma hinjiru | Dhiibba amantii, ammayyummaafi aadaa ofii xiyyeeffannoo dhabuu |
| | | | Durba | - | - | |
| | | Ijji, qaj-jiisni, ilkaaniifi kkf gumaa-dha; dirri laafoon keetii dhaan-nadhu | Dhiira | Dhaamsa abbaan intalaa gurbaaf dhaamu | Jira jechuun hindanda'amu | Dhiibba amantii, ammayyummaafi aadaaf xiyyeeffannoo dhabuu |
| | | | Durba | - | - | - |
| | Gocha | Intala ilaallachuu | | Gurbaatu ilaallata | Akka durii intala adamsanii ilaalchuun hinjiru; intalli dhokachuun hafe. | Mana barnootaatti gurbaafi intalli walbira oolaaru. |
| | | | Durba | | | |
| | | Jaalaa Jaaltittii | Dhiira | Gurbaan jaala lama bulfata | Safuu dur qabu dhabuun akka feetee ta'aara. | Horii argachuuf jaala lamaa abbuma/gosuma fedhe bulfatu |
| | | | Durba | - | - | - |
| | | Heexoo obaasuu | Dhiira | - | - | - |
| | | | Durba | Borumtaa cidhaa | Yeroo ammaa hafeera | Ammayyummaa |
| | | Kittaanuu | Dhiira | Ijoolummaatti | - | - |
| | | | Durba | Gaafa ciini ji'atti galu | Yeroo ammaa hafeera | Miidhaa fayyaarratti qabuun |
| | | | Dhiira | - | - | - |
| | | Dhiiksanii Qeensa Qoruu | Durba | Borumtaa cidhaa | Yeroo ammaa hafeera | Mirga dhala namaa waan sarbuuf |
| | | Waddeessa Qalachuu | Dhiira | Borumtaa cidhaa gurbaan waddeesa qalata | Yeroo ammaa gurbaan fuu-dhu Waddeessa qalachuun Beendhecha hidhachaa hinjiru. | Dhiibbaa amantii, diinagdee, ammayyummaa |
| | | | Durba | - | - | - |
| | | Garbuurra | Dhiira | - | - | - |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | teessisuu, ilma baachisuu, aannan itti biifuu | Durba | Warra gurbaatti itilleerratti garbuu naqanii intala irra teessisanii ilma baachisuun aannan itti biifu | Yeroo ammaa baay'ee laafeera; xiyyeeffannoo dhabeera. | Sababa amantiifi ammayyummaarraa ka'eeni |
| | | Rakoo | Dhiira | - | - | - |
| | | | Durba | Gurbaan intalatti Rakoo qala | Yeroo ammaa Nikaayaan bakka bu'e | Sababa amantiirraa ka'een hafe |
| | Meesh-aadaa | Siinqee | Dhiira | - | - | - |
| | | | Dubartii | Haati intalaaf Siinqee kenniti | Baay'ee kennamaa hinjiru; dubartoonni baay'eenis Siinqee manaa hinqabani. | Xiyyeeffannoo dhabuu, dhiibbaa amantii |
| | | Baarree | Dhiira | - | - | - |
| | | | Dubartii | Haati intalaa aannan itti guuttee gurbaatti kenniti | Yeroo ammaa bakka maratti hanga isa duriitiin aannan itti naqamee xiyyeeffannoon kennamaa hinjiru. | Dhiibbaa amantii, diingdee (aanna dhabamuu), xiyyeeffannoo dhabuu |
| | | Alangeefi Horooroo | Dhiira | Gurbaan fuudha yoo bahu qabata | Amma baay'ee qabachaa hinjirani | Dhiibbaa ammayyummaa, amantii |
| | | | Dubartii | - | - | - |
| ***Boo-'icha*** | Jecha | Boo'i-chaan ergaa dabarfa-chuu | Dhiira | - | - | Hinjiru (Horiis qoriis dhiisaa) |
| | | | Dubartii | Niitii dhirsi yoo du'e boo'ichaa ergaa dabarfatti | Amma hinjiru | Ammayyummaa, amantii |
| | Gocha | Gufufa | Dhiira | - | - | - |
| | | | Dubartii | Gadda niitiin yoo dhirsi du'e gadditu | Amma akka duriitti hinjiru; hanga guyyaa 40 qofa gadditti. | Sababa amantiifi ammayyummaa xiqqaate |
| | | Kaaya baasuu | Dhiira | Korma qalu | Yeroo ammaa hafe jechuun ni danda'ama. | Sababa amantii, diinagdeefi kkf irraa kan ka'e Qoriis Horiis dhiisaa jedhame. |
| | | | Dubartii | Sa'a mataa loonii qalu | | |
| | | Gumaa | Dhiira | Loon 100 | Baay'inni loonii haa xiqqaatu malee kafaltiin gumaa dubartii ½-kafaltii dhiiraati. | Olaantummaa dhiiraa mul'isuuf, Dhiibbaa diinagdeerraa baay-'inni xiqqaate. Dhiirri dhalchaa dhalarratti dubartii oljedhu |
| | | | Dubartii | Loon 50 | | |
| | Meesh-aadaa | Soodduu | Dhiira | Ilmatu abbaaf dhaaba | Hafee Siidaa simintoorraa dalagamuun bakka bu'e | Sababa amantii, ammayyummaa |
| | | | Dubartii | Hindhaabbatu | - | - |

**Gabatee: Cuunfaa itti fufiinsaafi jijjiirama Sirnoota Marsaa Jireenyaa Arsii Agarsiisu**




**Taatoo 4. Cuunfaa itti fufiinsaafi jijjiirama Sirnoota Marsaa Jireenyaa Arsii Agarsiisu**

## Boqonnaa Sagal

# 9. Goolabaafi Yaboo

## 9.1. Goolaba

Qorannoon kun sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsiirratti hundaa’uun ijaarsa koornayaa kan xiinxaleedha. Kunis, raaw’ileen sirnoota marsaa jireenyaa—sirna da’umsaa, gaa’elaafi boo’ichaa Oromoo Arsiirratti raaw’ataman leelloo Oromoon Arsii ilmaa intalaaf akkamiin akka mul’isan, fakkoommiin sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsii keessatti koornayaan walqabatanii mul’atan kanneen akkamii akka ta’an, raaw’ileen sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsiin walqabatanii raaw’ataman dhiiraafi dubartii aangessuurratti gahee akkamii akka qabaniifi ittifufiinsaafi jijjiiramoota dhimmoota koornayaan walqabatanii sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsii keessatti mul’atan ibsuudha.

Raaw’ilee sirnoota marsaa jireenyaa—da’umsa, gaa’elaafi boo’ichaan walqabatanii raaw’ataman xiinxaluun akka hubatametti, Oromoon Arsii dhaloota intalaarra kan ilmaa leellisa. Maatiin adeemsa ilma intalarra leellisu keessatti osuma dhaloota bira gahee daa’ima hinargin dura hawwii akka ilmoon dhalattuuf hawwu keessatti kan dhalatu ilma ta’uu akka qabu ibsa. Gaa’elarratti misiroonni walfuudhaan ilmoo akka argataniif yoo eebbifaman ilma argadhaa jedhamuun eebbifamu. Ittaansees, guyyaa dhalootaa daa’imni dhalatte yoo sirnoonni tokko tokko ta’an saala daa’ima dhalatteerratti hundaa’uun wanti mana ilmi itti dhalatetti ta’uufi gammachuun jiru kan mana intalli itti dhalatteetii oli. Maatiin ilma daheefi manni ilmi itti dhalate akka aadaatti mana intalli itti dhalattee olitti ol ol kakaafama.

Da’umsarratti ilmoon dhalachuun kan gammadan ta’uu ililfannaan yoo ibsan, mana ilmi itti dhalatetti mana intalli itti dhalatte shan/sadi lakkoofsa mangoo kan ililfatamu caalaa yeroo jaha/afur lakkoofsa guutuu elelfachuun ilmi warraaf intalarra kan caaluufi guutuu ta’uusaa mul’isu. Nafa dhiqaarrattis akkuma lakkoofsi ililfannaa walcaalu, guyyaan haati ilma deesse qaama itti dhiqattu jaha/afur, kan haadha durba deessee immoo guyyaa shan/sadiidha. Haati intala deesse yeroo gabaabaa—ji’a shan Qanafaa—meeshaa wayyooma dubartii deessee mul’isu godhachuun kan turtu yoo ta’u, haati ilma deesse haadha intala deesserra yeroo dheeraa—ji’a jahaaf Qanafaa godhachuun wayyoomti. Kana qofa osoo hintaane, kabajniifi kunuunsi—hoolaa

qaluufii, abbaan warraa haadha warraa ilma deesseef godhu kan haadha intala deessee oli. Kun kan agarsiisu, gochaalee da'umsaan walqabatanii raaw'ataman mara keessatti ilmi intalaa ol ta'uusaafi intalarra warraaf oola jedhamee kan hubatamu ta'uudha.

Qorannoo kanaan akka adda baafametti, ilmi intalaa oljedhamuun leellifamuuf wanti bu'ura ta'e, ilaalcha duudhaa keessatti ilmaa intalaan walqabatee ijaarame araddaa ofii-ormaa jedhuudha. Ilaalcha araddaa ofii-ormaa jedhurratti hundaa'uun ilmi araddaa keenya—qa'ee keenyaatti hafee dhaaluun eenyummaa keenya itti fufsiisa, maqaa keenya waamsisa; intalli araddaa ormaati, homaa namaa hingootu—qa'ee keenya dhiistee heerumaan kan ormaa dhaqxi jechuun ibsu. Kanarraa ka'uun ilmi intalarra akkuma gooroowwan fokloorii adda addaatti raaw'ii sirnoota marsaa jireenyaarratti hurruubamanirraa mul'atu, ilaalcha olaanaa qabaachuun kunuunfamaafi ijaaramaa ilaalcha kooti jedhuun akka guddatu ta'a. Umrima ijoollummaarraa eegaluun—ilmi intalaa oli; darbees, dhaalaafi itti fufsiisaa qa'ee warrasaati jedhamuun akka leellifamu, intalli immoo hanga ilmaa hingeessu jedhamuun kan gadi qaqqabamtu ta'uun hawaasa keessatti ilaalchi dhiirri dubartii oljedhu akka ijaaramuuf bu'ura buusa. Ilaalchi dhiirri dubartii oljedhu hawaasa keessa jiraachuun immoo hirmaannaafi gahee dhiiraafi dubartiin hawaasa keessatti qaban murteessuun ilaalchi loogawaan—kan dhiiraaf bakka olaanaa kennee dubartoonni bakka isaaniin hinmalle akka jiraataaniifi bakka gahuu qaban akka hingeenye taasisu akka uumamu godha.

Ragaalee argaman xiinxaluun akka hubatametti, akkuma gochaalee yeroo dhalootaa gochaaleen sirna gaa'elaarratti raaw'atamanis ilma olkakaasuun olaantummaa kennuufiin intala kan laaffisaniidha. Gochaalee gurbaa fuudhuufi intala heerumtuun walqabatanii gaa'elaa keessatti raaw'atamanirratti hanga tokko Aseennaadha malee, gosoota gaa'elaa akka Arsiitti beekaman mara keessatti olaantummaa gurbaa fuudhuutu bal'inaan mul'ata. Gosa gaa'elaa duudhawaa hawaasa biratti bal'inaan fudhatama qabu kadhaa keessatti jalqaba intala isaaf taatu filachuun gaafii kan dhiheessuu gurbaa ykn warra gurbaati. Akka aadaatti gurbaan fuudhu osoo warri intalaafi intalli homaa hinbeekin intala ulaagaa isaan barbaadan guuttu gosa fedhan keessaa ilaallatanii filachuuf carraa qabu. Intalliifi warri intalaa hanga gama gurbaatiin gaafiin gaa'elaa isaanii dhihaatuutti gurbaafi gosa ofii fedhan filachuun intala isaanii itti heerumsiisuuf aadaan hinhayyamuufi. Warri intalaa nama intala isaanii fuudhuuf barbaadu qorachuufi xiinxaluu kan jalqaban erga warri gurbaa intala isaanii fuudhuuf akka barbaadan gaafatanii booda. Warri

intalaa erga warri gurbaa intala isaanii gaa'elaaf gaafatanii booda yoo kan hinbarbaadne ta'e diduu danda'u. Ta'uus garuu, ija sodaa durbi hawaasa keessatti ittiin ilaalamtu—gurbaan humnaan butinnaa, waan biraa ta'ittii? fi kkf irraa ka'uun ofitti amanamummaan diduuf ofshakku. Haalli kunimmoo dubartiin akka ofhindandeenye, waa gochuuf qaama biraa akka eegduufi hayyama nama biraarratti akka hundooftuuf haala kan mijeessuudha.

Warri intalaa gaafii warra gurbaa fudhatanii yoo intala kennan warri gurbaa saddeetaaf warra intalaa dhaqu. Sirna saddeetaaf taasifamurratti eebba eebbifamuufi waan jedhamu maraan intalli kan warrarraa dhalatteefi dhaaltuu warrashee akka hintaaneefi warrashee dhiistee kan deemtu akka taate ibsamaa deema. Sirna saddeetaa boodaas qophiileen sirna gaa'elaatiif taasifaman—intala heexoo obaasuu, kittaanuufi kkf intalli gurbaa ol akka hintaaneef intala laaffisuuf kanneen raaw'atamaniidha. Guyyaa gaa'elaas sirboonni qa'ee warra intalaatti sirbaman—sirba boo'icha durbaa, dhaamsaaleen haawwaniifi abbaan intala heerumtuufi gurbaa fuudhuuf dhaamaman, intalli gurbaaf ajajamtee/gurbaan moo'atamtee akka bultu kanneen gorsaaniidha.

Akkasumas, warri gurbaa qa'ee isaaniitti intala ilmi isaanii fuudhe sirnoota adda addaatiin—Rakoon faluun akka waan amma dhalatteetti maqaa haaraa itti moggaasuun kan ofii taasifatu. Warri gurbaa intala ilmi isaanii fuudhe kan ofii erga taasifatanii intalli qa'ee warra itti heerumteetti abbaa warraatti aanuun hoogganummaa isaatiin haadha warraa ta'uun waan inni argatu argatti. Kana jechuun, intalli ofdandeessee gahee ykn hirmaannaa qabaatti osoo hintaane, abbaa manaa ishee hordofuun waan inni raaw'atu waliin hirmaatti malee, hirmaannaa yoo warrashee jirtu 'intalli araddaa ormaati' jedhamaa carraa ilmi argachaa ture dhabde argatti jechuu miti. Haalli jiru akkasumaan itti fufa. Gochaaleen sirna gaa'elaarratti raaw'ataman gurbaan warra intalaa dhaqee olaantummaan fudhatee kan galu akka ta'eefi yaada durbi yoo dhalattu kan ormaati ykn kan nyaaphaati jedhu kan mirkaneessaniidha.

Gochaaleen dhiira dubartiirra faarsu, olqaqqabuu akkuma sirnoota marsaa jireenyaa dhalootaafi gaa'ela keessatti godhamu sirna boo'ichaa keessattis bal'inaan mul'ata. Aadaa Arsii keessatti saala nama du'eerratti hundaa'uun wantoonni dhiiraaf ta'an kan dubartiif hintaane jiru. Aadaa Arsii keessatti namni dhiiraa, keessaayyuu, nama jabaa yoo ta'e sirnaan ba'anii gootummaafi waan gaarii inni yoo lubbuun jiru raaw'ate kaasanii boochisuufi. Akkasuams, meeshaadaa asitti awwaalameefi gootummaa nama tokkoo ibsu Soodduu ilmi akka dhaabuuf godhu. Dubartiif

garuu yoo nama jabduus taate ba'anii akka dhiiraatti hinboochisan; Soodduus hindhaabaniifi. Akkasumas, aadaa Arsii keessatti abbaa warraafi haadha warraa keessaa tokko yoo du'e, fkn'f abbaan warraa yoo du'e haati warraa yeroo dheeraa gadditi. Garuu, abbaan warraa haati warraa yoo jalaa duute baay'ee hingaddu. Yeruma gabaabaa keessatti haadha warraa biraa fuudha. Haalli eebba yeroo boo'ichaa haati warraafi abbaan warraa eebbifaman kan abbaan warraa haati warraa yoo jalaa duute akka fuudhu gorsaaniifi haati warraa yoo inni du'e bultii biraa ijaarrachuu akka hinqabne gorsan irraa bal'inaan ifa. Haalli kun kan mul'isu, gochaaleen yeroo boo'ichaa raaw'ataman loogawaa ta'uusanirraa kan ka'e, dhiirri dubartii ol akka ta'e kanneen mirkaneessaniifi dubartiin hanga dhiiraa kan hingeenye akka taate kan ibsaniidha.

Akkuma sirnoota marsaa jireenyaa dhalootaafi gaa'ela keessatti mul'atu, ilaalchi intalli kan ormaati jedhu sirna boo'ichaarrattis ni calaqqisa. Ilaalcha intalli qa'ee warraarraa qooda hinqabdu jedhuurraa kan ka'e, intalli osoo akkuma carraa warri ishee dhaqxee achitti lubbuun dabartee, bakki ishee warratti heerumte jedhamuun, warra isheetti hinawwaalamtu. Homa haalli mijatee achitti kan awwaalamtullee ta'e, gaddi ishee warrashee ta'uu dhabuurraan ka'e warri ishee fuudhe booyaan galatu; booyaan galatan jedhama. Dabalees, ilaalcha intalli qa'ee warraatti hinhaftu, araddaa ormaati jedhurraa ka'uun intalli warrishee yoo du'e sirnoota tokko tokko—abbaan yoo du'e soodduu dhaabuu, namni yoo eebbisu ameen jechuu hindandeessu jedhama. Wantoota akkanaa kanneen raaw'achuu kan danda'u nama akka duudhaatti araddaa/qa'ee warraati dhaala jedhamu ilma. Intalli akkuma guyyuma dhalootaarraa eegalee araddaa ormaati, intalli waa Soodduu namaa dhaabdii jedhamaa hirmaannaan ishee daanga'aa guddattu, sirnoota raaw'achuus ta'ee, qa'ee warraa dhaaluuf seerri hinkennuufi. Isheen warra ishee fooniin irraa dhalatte malee, seeraan kan warra itti heerumtee ta'uun hoogganummaa abbaa warraa isheetiin—abbaan warraa ishee dhaalaafi itti fufsiisaa araddaa warraasaa ta'uun isa waliin jiraatti.

Duudhaa keessatti ilaalchi araddaa ofii-ormaa jedhu, dhiiraafi dubartiin yeruma dhalootaarraa qabanii itti saaxilamaniifi maatiin isarratti hundaa'uun ijoollee dhiiraa olqaqqaabuun kan durbaa laaffisan bakkaafi gahee dhiiraafi dubartiin hawaasa keessatti qaban kan murteessuudha. Sababa ilaalcha kanaa dhiirri sirnootaafi dhimmoota hawaasaa bebbeekamoorratti hirmaachuufi gahee qabaachuu akka danda'utti ijaarama; dubartiin immoo hojuma mana keessaafi balbalaan olirratti akka daangoftu taati. Ilaalcha kanarratti hundaa'uun ilmi umriin hangafas ta'u, ta'uus baatu

gulantaa warrasaa keessatti hangafummaan kennamuufiin jiruunis ta'ee du'aan warra bakka bu'ee waamama. Isheen durbaa immoo warra irraa dhalattetti seerri hinkennuuf, kan ishee gulantaan as miti jedhamuun ijoollumumarraa carraa ilmi argatu dhabaa deemti. Wanti nama ajaa'ibu gulantaatti heerumtettis kan ishee bakki as kan jedhamtus ta'u, haadha warraa ta'uu cinaatti carraa sirnootaarratti hirmaachuu hinqabdu.

Durbi warra isheetti yaada gulanta ishee asii mitiifi erga heerumtees boodaas bakka heerumtetti ilaalcha alaa dhufte ykn sirnootarratti hirmaannaa dhabuu gidduutti daangoftee guddachuun carraa isheen malu dhabdee guddatti. Jechuun, durbi/intalli warra ishee dhalcheef alagoomtee warra itti heerumtutti kan firoomuufi isaan waliin hidhata kan qabdu, bakkishee achi jedhamuun ibsama. Kun ta'us garuu, rakkoon kan jiru, intala haala kanaan ormeessuu/alagoomsuu osoo hintaane, erga alagoomsanii gosa keessaa dhalatte keessatti akka isheen akka ilmaa dhimmoota safuufi aadaan walqabatanirratti hirmaannaafi gaheen qabanne carraa dhoorkanii booda akka dubartoonni hanga dhiiraa faayidaa hinqabnetti ilaaluudha. Gaafuma dhalatteerraa kaaasanii akka isheen akka ilmaa dhimmootaafi sirnoota warraa murtee kennuu barbaadanirratti 'isheen araddaa ormaati, gulantaan ishee asii mitiifi kkf' jechuun akka qooda hinqabaanne gochuudha. Kana jechuun, duudhaa keessatti dubartiin ijaarsa koornayaa dubartii laaffisuun carraa dhoorkamterratti hundaa'uun 'intalli hanga ilmaa namaaf ooluu hindandeessuu—intalli kan ormaati maal naaf gooti' jedhamuun komatamti. Bakka kanaa silaa kan ta'uu qabu, intalli maatii ishee fuudhe waliinis kan jiraattu ta'u, aadaafi safuu warra isheerratti eessattuu gaheeshee akka baatu—qabeenya warra ishee dhaaluu akka dandaeessu gochuun walcaalmaa dhiira waliin jiru maqsuun komii ka'u hambisuudha ture.

Haalli durbi warrarraa dhalatetti 'isheen kan ormaati gulantaa ishee asii miti', erga heerumtees sirnootaafi dhimmoota murteessoorratti hirmaannaa dhabuun gidduutti muuxannoo malee haftu kun akka dubartoonni dhimmoota hawaasaa gurguddoofi murtee kennuu barbaadanirratti hinhirmaanne taasisuun ofitti amanamummaa isaanii xiqqeessa. Akkasumas, akkuma raaw'ilee sirnoota marsaa jireenyaarraa mul'atu, akka dubartoonni ofuma isaanii haalli kun sirriidha jedhanii ilaalcha loogawaa hawaasa keessatti isaaniif kenname fudhachuun hojjoomsan, gadi ofqaqqaban godha. Gumaacha dubartoonni biyyaaf gumaachuu qaban akka hingumaachine gochuun jiruufi jireenya dubartootaas ta'ee, kan hawaasaa; darbees, guddina biyyaarratti

dhiibbaa guddaa kan qabuudha. Dabalees, haalli kun karoora gama hundaan hirmaannaafi gahee dubartootaa guddisuuf taasifamurratti akka dubartoonni ofitti amanamummaan hinsochoone, akkasumas, waltajjiirratti bahanii waa gaggeessuu hindandeenye kan taasisuudha.

Oromoon Arsii raaw'ilee sirnoota marsaa jireenyaa dhaloota, gaa'elaafi boo'ichaan walqabsiisee raaw'aturratti karaa jechaafi gochaa fakkoommiiwwan adda addaa fayyadamuun ijaarsa koornayaa agarsiisa. Waan sirnoota marsaa jireenyaatiin walqabsiisee raaw'aturratti waan jedhuun, raaw'atuufi meeshaadaa fayyadamuun fakkoommiiwwan loogii koornayaa mul'isan hiika adda addaa qaban fayyadama. Koornayaa walqabatee akka ilaalcha hawaasaatti dhiiraafi dubartiin bakka, aangoofi ilaalcha akkamii akka qaban waan jedhamu, raaw'atamuufi meeshaadaa dhimma itti bahanirratti hundaa'uun guyyuma dhalootaarraa eegalanii ibsaa deemu. Sirna gaa'elaas ta'ee, boo'ichaarratti karaa waan jedhamuus ta'ee, raaw'atamuu fakkoommiiwwan adda addaa koornayaan walqabatanii hiika adda addaa dabarsaniifi ijaarsa kooranayaa jiru daraan hundee qabsiisan ni mul'atu.

Akkuma jijjiiramoonni garagaraa hawaasa tuqan sirna hawaasaa osoon tuqin hinhafne, jijjiiramoonni karaa amantaa, diinagdee, aadaa, hawaasummaafi ammayyummaa Oromoo Arsii tuqan sirnoota marsaa jireenyaasaarratti jijjiiramoonni adda addaa akka dhufan kan taasisan ta'uu qarannoo kanaan adda baafameera. Sirnoonni koornayaa ibsan dhalootarratti saala daa'ima dhalatteerratti hundaa'uun taasifamaa turan, meeshaadaaleen dhimma baasaa turaniifi ilaalcha Oromoon Arsii koornayaarratti qabu mul'isan sababa ammayyummaa, amantaafi kkf akka duubatti hafoofi amantii alagaatti ilaalamuun xiyyeeffannoo dhabani. Wantoonni gaa'elarratti jedhamaniifi raaw'ataman, adeemsi sirna gaa'elaa inni duudhawaaniifi wantoonni hedduun gaa'elaan walqabatan bifa isaanii jijjiirrachuun yoo hafan, kuunimmoo waan biraatiin bakka bu'ani. Akkasumas, gochaaleen sirna boo'ichaarratti raaw'ataman, ergaaleen darbaniifi sirnoonni taasifamaa turan haalota karaa jijjiiramoota hawaasaa dhufan-irraa ka'uun jijjiiramaniiru; darbees kanneen hafan jiru. Jijjiiramoonni karaa dhimmoota hawaasa sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsiirratti mul'achaa jiran raaw'ii sirnoota kanneeniifi ijaarsa koornayaa isaan keessa jirurratti dhiibbaa fiduun duudhaan hawaasaa (kan faayidaa qabus ta'ee hinqabne) akka dhiibbaan irra gahu gahee taphachaara. Akkasumas, sababa dhimmoota hawaasa tuqanii dhimmoonni koornayaa raaw'ii sirnoota marsaa jireenyaa Arsiirraa mul'atan, kanneen

jijjiiramanii waan biraatiin bakka bu'uun loogiin koornayaa ture daraan akka cimu; kanimmoo loogiin ture akka fooyya'u taasisan jiru. Wanti dhufe homa fedhes ta'u, qaamni hawaasaa marti—keessaayyuu, amantiirratti hirkachuun qabeenyi dhuudhaa keenya bade jedhanii quuqamniifi sochiin taasisan kan hinjirre ta'uu turtii yeroo dirree qorannoorraa hubatameera.

Qorannoon kanaan akka adda baafametti, akka duudhaa Arsiitti wanti akka duudhaatti safuu hawaasaa cabse jedhame tokko yoo uumame (fkn'f: dubartiin waan akka duudhaatti dubartiin hindalagdu jedhame tokko yoo dalagde)—waan mirga namaarratti dhiibbaa qabaatullee yoo ta'e, '*Faantuudha'*—dur hinjirree jedhama. Kun ta'us yoo safuun, duudhaan, meeshaadaaleen wayyooma Arsii agarsiisuuf dhimma baasa akka meeshaa amantii alagaa ibsaniitti ilaalaman qaamni haalli kun Faantuudha jedhe hinjiru. Haalli amma jiru—keessaayyuun rakkoon koornayaa walqabatee ture isa duraa caalaa daran akka cimu ta'e. Fakkeenyaaf, duudhaa dubartoonni dhimmoota karraan alaarratti hirmaannaa akka hinqabanne taasisurratti dhimmi ykn jijjiiramni karaa amantii dhufe dabalamuun rakkoon ture daraan akka cimu—dubartoonni caalumatti manatti akka deebi'an ta'uu hirmaannaan isaan dhimmoota karraan alaarratti qaban daanga'e. Kun ta'us, haala kana namni Faantuudha jedhe hinjiru.

## 9.2. Yaboo

Qorannoo kun sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsiirratti hundaa'uun duudhaa Arsii keessatti ilmaafi ilntalli akkamiin akka hubataman, ijaaramaniifi bakka akkamii akka qaban; darbees, ilmi intalaa oljedhamuun akkamiin akka olqaqqabamuufi leellifamutu xiinxalame. Kunimmoo qaama walakkaa hawaasaa kan ta'an dubartootarratti dhiibbaa guddaa qabaachuun guddina nama dhuunfaas ta'ee, kan biyyaarratti miidhaa hangana hinjedhamne kan fiduudha. Kanaaf, dhimmi kun furmaata waaraa akka argatuuf qaamolee gahee bahuu qaban akka bahaniif bifa ittaanu kanaan tokkoon tokkoon isaaniif yaboon kaa'ameera. Qaamoleen kunneenis: Maatii, Hawaasa, Biiroo Aadaafi Turizimii, Dubartoota, Dhiirota, Hayyoota, Biiroo Barnootaa, Biiroo Dhimma Daa'immaniifi Dubartootaa, Qopheessitoota Imaammataa, Dhaabbilee Miti-mootummaa, Dhaabbilee Miidiyaa, Hojjetoota Manneen Hojii Mootummaa Garagaraa fa'a.

1. **Maatii:** raaw'ii Sirnoota Marsaa Jireenya Arsii—Dhaloota, Gaa'elaafi Boo'ichaarraa akka mul'atutti, Oromoon Arsii ilmi araddaa keenyarratti hafee dhaaluun eenyummaa keenya itti fufsiisa jechuun ilma intalarra faarsa. Ilma sirnoota jaalatuufi waan hundasaa isaarratti

muuxannoo hoogganummaa argachuun dhaalee itti fufsiisuu akka danda'utti ijaara; akka nama bakka isa bu'uutti ol oljechuun leellisuun intalarra faarfata. Intalaan immoo isheen araddaa ormaati gulantaan ishee asii miti jechuun sirnootaa isaarraatti hirmaannaa akka hinqabanne ormeessuun laaffisaa guddisa. Kunimmoo hirmaannaafi sochii dubartoonni jireenya isaanii keessatti taasisanirratti dhiibbaa guddaa qaba. Kanarratti rakkoon jiru intala haala kanaan ormeessuu/alagoomsuu qofa osoo hintaane, erga alagoomsanii gosa keessaa dhalatte keessatti hirmaannaa safuufi aadaan walqabatan dhoorkanii booda akka waan durbi akka dhiiraatti faayidaa hinqabnetti ilaaluudha. Kanammoo maatiin/hawaasni (abboonniifi haawwonni) intalli kan heerumtus ta'u, '*intalli kan ormaati'* jedhanii maqsuurraa ofqusatanii isheenis akkuma ilmaa sirnootaafi safuu isaanii dhaaluun irratti hirmaachuuf carraa akka qabaattuufi itti fufsiisuu akka dandeessu osoo taasisani. Darbees, akkuma ilmaa isheenis ogummaa kana gochuu ishee dandeessisu akka argattutti guddachuu/ijaaramuun walcaalmaan dhiira waliin jiru sirraa'uun komiin *'intalli maal namaa gooti araddaa ormaati'* jedhu akka hafu osoo ta'ee gaariidha.

2. **Hawaasa—Abbootaafi Haawwota**: Sirni Marsaa Jireenyaa akkuma sirnaatti baadiyyaa fagoorraa gara magaalaa yeroo deemnu dhimmisaa laafaa deema. Kana jechuun sirni kun baadiyyaatti hinlaafne jechuu miti. Hawaasa tokko hawaasa kan taasisu immoo loogiifi rakkoolee tokko tokko kan qabus ta'u duudhaa, aadaa safuu, sona ganamaafi kkf faalasamni isaa irratti hundaa'eedha. Kanaaf, abboonniifi haawwonni wanti gochuu qaban, sirni ganamaa hawaasaa itti fufiinsa hawaasichaaf murteessaa ta'e yoo dhiibamu callisanii ilaaluu osoo hintaane, sirnichi loogii bara ammaa keessatti fudhatama hinqabnerraa fooyya'ee dhaloota dhufuuf akka darbu taasisuurratti gahee isaanii bahuudha.

   Kun akkamiin ta'a kan jedhu abboonniifi haawwonni duudhaan ganamaa isaanii waan barri fide waliin akkamiin akka walsimu gochuurratti beekumsa qabu waan ta'eef, fooyya'iinsi ta'u keessaa akka ka'u xiyyeeffachuun qajeelfama kennuudhaani. Kunis, qaammonni dhimmi ilaallatu BATO karaa siyaasaafi dhimmoota biroorraa bilisa ta'een abbootii Gadaa, manguddooleefi fi haawwota hawaasa keessatti dhageettii qaban akka isaan duudhaa garee tokko olqabee kaan gadi qabu; kanimmoo karaa garagaraatiin dhiibbaan irra gahaa jirurratti hojjetaniifi haaromsa barbaachisoo akka taasisaniif hubannoo kennuufii. Kun kan oolu

tokkoffaa sirnichi loogiirraa bilisa akka ta'uufi lammaffaa dhiibbalee gama amantaa, siyaasaa hawaasummaa, ammayyummaafi kkf irraa ka'ee irra gahaa jirurraa akka dandamatu gochuufi. Kanarratti abboonniifi haaromsaafi fooyya'iinsa duudhaa akka taasisan yoo gaafataman isaan adeemsa duudhaasaanii itti qaban ni qabu waan ta'eef, qajeelfamuu qofa qabu malee, akkanatti dalagaa jedhamanii qaama biraatiin dhiibamuu hinqabani.

3. **Biiroo Aadaafi Turizimii:** Biiroon Aadaafi Turizimii wanti gochuu qabu akkuma yaboo **Hawaasa—Abbootaafi Haawwota** jalatti ka'e, furmaata qorattuun eerte kana hawaasni loogiiwwan jiran akka furan gargaarsa taasisuu, gama hundan hoogganuu, hordofuu; erga gargaarsa taasisanii booda dhimma biraa hawaasaaf dhiisuu barbaachisa.

4. **Dubartoota:** sirnoota marsaa jireenyaa Oromoo Arsii xiinxaluun akkan hubadhetti, dubartoonni raaw'ii sirnoota kanneenirratti hundaa'uun ilma olqabanii intala gadi qabuun isaanii bakka sirrii ofiisaaniif kennaa akka hinjirre kan mul'isuudha. Kunimmoo ilaalchi namni tokko ofiif qabuufi bakki ofiif kennu ijaarsa eenyummaa nama dhuunfaas ta'ee, kan sabaarratti; darbees, guddina biyyaarratti dhiibbaa guddaa kan qabuudha. Kanumaan dubartoonni ilaalcha loogawaa isaaniin walqabatee duudhaa keessatti ijaarame hubatanii, isaanis ijaarsa duudhaarratti hundaa'anii hirmaattota hacuuccaa isaanii ta'uu dhiisaanii hubannaafi bakka ofiif kennan irra deebi'anii xiinxaluun akkasaan ofiisaaniif ilaalchaafi bakka gaarii qabaatan, eenyummaasaaniis bifuma kanaan ijaarrachuu akka danda'anirratti sochii yoo taasisuun hubannaa yoo argatan gaariidha.

5. **Dhiirota:** dhiirri loogii koornayaa duudhaa keessa jiruufi dubartootarratti dhibba qabu akka faayidaa uumamaan isaaniif kennameetti ilaaluu osoo hintaane, hawaasa gareen tokko keessatti dhiibame keessatti jijjiirama hawaasaa waaraa fiduun waan hindanda'amneef, akka qaamota rakkoon biyyasaanii isaan ilaallatuu tokkootti miidhaa dubartootarra gahu hubachuun walqixxummaan akka dhufuuf loogii koornayaa maqsuuf ciminaan hojjechuun barbaachisaadha.

6. **Hayyoota:** sirnoota hawaasa gareelee kamuu maqsanirratti qorannoo gaggeessuu; bu'aa qorannoosaanii hojjetoota imaammtaaf kennuu; sagantaalee/carraalee hawaasaf hubannoo kennuuf gargaaran uumuu; qaamolee miti-mootummaa waliin ta'uudhaan akkaataa rakkoon kun hawaasa bira gahuufi itti hubatamu uumuun furmaanni waaraan akka dhufu taasisuu.

7. **Sirna Barnootaa:** barnoonni sirna bu'uraa namni kamuu keessa darbu waan ta'eef, loogiifi rakkoo jiru furuuf bu'ura. Wanti sirna barnootaa keessatti ka'u rakkoofi loogii jiru furuuf ga'umsa qaba. Haata'u malee, wanti qabatamaan meeshaalee barnootaa, raaw'ii waliigalaafi sadarkaalee barnootaatti jiru loogii aadaan dubartootarratti qaburraa bilisa miti. Silaa wanti ta'uu qabu sirni barnootaa bakka loogiin koornayaa keessatti mul'atu osoo hintaane, loogiiwwan aadaa akka fakkeenyaatti irratti xiyyeeffatee kaasuun, barattootaaf hubannoo kennuun akka isaan loogii aadaallee mormuu danda'an taasisuun ga'oomsuu barbaachisa. Akkasumas, barnoota keessatti sirna barnoota rakkoofi loogii qabutti fayyadamuu dhiisuu, afaan, aadaa/sirna loogii hinqabnetti fayyadamuun meeshaalee barnoota fa'a qopheessuufi kkf gochuutu gaariidha. Afaan loogii hinqabne yoo jedhamu: meeshaalee barnootaa dhimma itti bahan yoo qopheessan dubartiis ta'ee dhiira karaa qixa ta'ee bakka bu'uufi bakka buusuu akka danda'uun (isa yoo jenne isheen kan jirtu ta'uu beekuudha malee, saala tokko qofarratti hundaa'uun tokkoof xiyyeeffannoo kennuu dhabuu dhiisuu) xiyyeeffachuu jechuudha.

8. **Biiroo Dhimma Daa'immaniifi Dubartootaa:** biiroon daa'immaniifi dubartootaa wanti dursarratti irratti hojjetamee rakkoon koornayaan walqabatee jiru furamuun danda'u ijaarsa loogawaa duudhaa keessatti dhiiraafi dubartiin guyyuma dhalootaarraa itti saaxilaman ta'uu baree, duudhaan loogii qabu akka fooyya'u gochuurratti yoo hojjete gaariidha. Akkuma manni tokko bu'ura isaatiin madaalamu, namnis waan amma irra jiruuf aadaafi duudhaan keessatti dhalate bu'ura kaa'aafi. Kunis, duudhaan Oromoo Arsii namni tokko guyyuma dhalootaarra itti saaxilamu dhiiraa olqaqqabuun kan leellisuufi dubartiin mataa-gadi haaqabattu, callistufi kkf jechuun kan laaffisuudha. Kanaaf, biiroon kun gubbaarratti biiroo banee hirmaannaan dubartoota haa cimu jechuurra, dubartoonni maaliif bakka barbaadame kana qaqqabuu dhadhaban jedhee ijaarsa aadaafi duudhaa hawaasaa sakatta'uu barbaachisa.

9. **Qoheessitoota Imaammataa**: qopheessitoonni imaammataa loogii koornayaa jiru hubachuufi fudhachuun xiyyeeffannoon osoo hojjetanii; darbees, sirna hawaasaa dubartii maqsu akka hir'atuuf akka irratti hojjetamuuf, hawaasni kaka'umsa akka qabaatuuf qaeelfamu kennuun kallattii osoo argasiisanii bu'aa qabaata.

10. **Dhaabbilee Miti-mootummaa Hawaasarratti Hojjetan:** duudhaalee/sirnoota dubartoota maqsan giddu-galeessa qorannoo isaanii taasisuu, dhimma walfakkaataarratti qorannoo

bal'aafi keessa-gadi bu'aan akka gaggeeffamu gargaaruu; fooyya'inni ykn geeddaramni duudhaa hawaasaa akka dhufuuf bu'aa qorannoo isaaniifi kanneen biroo argame cuunfuudhaan tarsiimoo hawaasa itti qaqqabu tolchuufi haala hojiirra oolmaasaarratti deeggarsaafi hordoffii barbaachisu yoo taasisan jijjiiramni waaraan dhufuu danda'a.

11. **Dhaabbilee Miidiyaa:** miidiyaan nama hunda dhaqqabuurratti waan kamuu olwaan ta'eef, loogii koornayaan walqabatee duudhaa keessa jiru sakatta'ee baasuun sagantaarratti hojjechuun, ofiisaafis afaan fayyadamus ta'ee, waan raaw'atu hundaan loogii koornayaarraa bilisaawee hawaasni waa'ee loogichaafi miidhaasaa akka hubatu taasisuun yoo hojjeteefi hubannoo kenne gaariidha. Ta'us garuu, wanti miidiyaalee biyya keenyarraa mul'atu—fakkeenyaaf, afaan isaan fayyadaman 'isa' malee kan 'ishee' hinbeekne ta'uusaatiin faallaa kanaati. Kanaaf, kanarraa ofqusachuun jijjiirama biyyaatiif yoo hojjete gaarii ta'a.

12. **Hojjetoota Manneen Hojii Mootummaa Garagaraa**: qaamoonni hawaasaa warri barnoota qabaniifi dhaabbilee adda addaa keessatti gahee hojii adda addaa qaban sochii loogii koornayaa duudhaa keessa jiru qorachuu, ifa baasuufi maqsuuf taasifamu akka dhimma aadaafi duudhaa balleessuuf deemu tokkootti fudhatanii fuuldura dhaabbachuu osoon baatanii. Qooda kanaa akka qaamota dhimmi isaan ilaallatu tokkootti gahee, ittigaafatamummaafi dirqama isaanirraa eegamu bahuun aadaa garee tokko olqabee kaan gadi qabu fooyyessuurratti gumaacha isaanirraa eegamu osoo taasisan gaarii ta'a.

### 9.3. Qorannoo Ofduraatiif

Jijjiirama yeroo ammaa dhimmoota adda addaatiin walqabatee dhufurratti hundaa'uun loogiin koornayaa Sirnoota Marsaa Jireenya Oromoo Arsii kallattii kam qabachaa, maal ta'aa akka deeme; Sirnoota Marsaa Jireenya Oromoo Arsii haala amma jirurraa ka'uu dhiibbaan akkamii irra gahaa akka jiru gadi fageenyaan osoo qoratamee.

Yeroo ammaa ilaalchi hawaasni dhaloota durbaatiin walqabatee qabu akka kan isa amma duraa miti. Yeroo amma duraa '*daaraa haranii gatuu durbas dhalanii gatuu kan jedhurraa 'durba deessanii birdilibsii Saa'udii jala hinseentanii'* kan jedhutti ce'ame. Kanaaf, kun maaliif akka ta'eefi kana hordofanii rakkooleefi dhiibbalee—keessaayyuu, dubartoonni biyya alaa deemuun akkamiin miidhamaa akka jiran, kana hordofee biyyarras dhiibbaan akkamii gahaa akka jiru osoo qoratamee gaariidha.

## Wabiilee


Adamec, C. and Pierce, W. (ed.) (1991). *The Encyclopedia of Adoption*. New York Facts on File.

Adem, J. (2017). Women and Indigenious Conflict Resolution Institutions in Oromia: Experience from Siinqee of the Wayyu Shanan Arsi Oromoo. *Proceedings of the second International Conference on Oromoo Studies, Jimma University*.

Alemu, A. (2007). Oral Narrative as Ideological Weapon for subordinating Women: The case of Jimma Oromo. *Journal of African Cultural Studies*, *19*(1), 55-80.

Allanana, M. G. (2013). Patriarchy and gender inequality in Nigeria: The way forward. *European Scientific Journal*, 9(17), 115-144.

Almond, D., Edlund, L., & Milligan, K. (2009). Son preference and the persistence of culture: Evidence from Asian immigrants to Canada. *Cambridge, MA: National Bureau of Economic Research.* NBER Working Paper No. 15391.

Ashmore, D.R. & Jussim, L. (1997). *Self and Identity: Fundamental Issues*. Oxford University Press, Inc.

Asiyanbola, A. (2005, July). Patriarchy, male dominance, the role and women empowerment in Nigeria. *In Poster presentado en la XXV International Population Conference Tours, Francia*.

Asmerom, Legesse. (1973). *Gada: Three Approaches to the Study of African Society*. New York: Free Press.

Atkinson, A. B. (1998). Social exclusion, poverty and unemployment. *Exclusion, employment and opportunity*, *4*.

Bacha, A., & Kuto, L. (2019). Women and Men in Arsi Oromo Proverbs: an Implication for Gender Equality. *Kafaah: Journal of Gender Studies*, *9*(1), 74-86.

Badhaasoo, H. (2000). *Seera Fuudhaa Heeruma Oromoo Arsii. Oromiyaa*: Finfinnee. Commercial P.E.

Barriteau, E. (2001). *The Political Economy of Gender in the Twentieth-century Caribbean*. Springer.

Bascom, W. (1965). Four Functions of Folklore, in Alan Dundes, (Ed.). The Study of Folklore. *Englewood Clifs*, N.J., 279-298.

Basu, D., & de Jong, R. (2007). Son Preference and Gender Inequality. *Demography*, 47, 521-536.

Bautista, S. & Rosenfeld, S. (2017). *Rituals of the Past: Prehispanic and Colonial Case Studies in Andean Archaeology*. University Press of Colorado.

Bekele, B.S. (2015). *Gender Roles and the Society's Perception of Women in Macha Oromo Verbal Arts: A Feminist Perspective.* AAU: Unpublished PhD Thesis.

Bell, B. (2003). The rites of passage and outdoor education: Critical concerns for effective programming. *Journal of Experiential Education*, 26(1), 41-49.

Bell, C. (1997). *Ritual: Perspectives and Dimensions*. Oxford University Press, USA.

Bem, S. L. (1993). *The Lenses of Gender: Transforming the debate on Sexual inequality.* New Haven: Yale.

Berger, H. M., & Del Negro, G. P. (2004). *Identity and Everyday Life: Essays in the Study of Folklore, Music and Popular Culture.* Wesleyan University Press.

Berger, J. (1972). *Ways of Seeing*. London: Penguin Books.

Berger, P.L. and Luckmann, T. (1966). *The Social Construction of Reality: A Treatise in the Sociology of Knowledge*. Doubleday & Company, New York.

Berry, E. (1984). *Shakespeare's Comic Rites.* Cambridge University Press.

Birx, H. J. (Debika, S.) (Ed.). (2010). *Ceremonies: 21st century anthropology*: a reference handbook: (Vol. 1 & 2). Sage Publication Inc.

Boswell, G.W. and J. Reaver (1962). *Fundamentals of Folk Literature*. Oosterout: Anthropological Publications.

Breines, I., Connell, R., & Eide, I. (2000). *Male roles, masculinities and violence: A culture of peace perspective.* Universitaires de France, Vendôme: UNESCO.

Britt, B., & Cuffel, A. (2007). *Religion, gender, and culture in the pre-modern world*. Springer.

Burr, V. (1995). An Introduction to Social Constructionism. London: Routledge. http://dx.doi.org/10.4324/9780203299968

Burr, V. (2015). *Social Constructionism*. Routledge.

Butler, J. (1990). *Gender Trouble: Feminism and the Subversion of Identity.* New York and London: Routledge. Cambridge University Press.

Cai, H., Huang, Z., & Jing, Y. (2019). Living in a changing world: The change of culture and psychology. *Oxford handbook of culture and psychology*, 1070-1116.

Calogero, R. M. (2013). On objects and actions: Situating self-objectification in a system *justification* context. *Objectification and (de) humanization*, 97-126.

Carter, M. J. (2014). Gender socialization and identity theory. *Social Sciences*, 3(2), 242-263.

Cerulli, E. (1922). *The Folk-Literature of the [Oromo] of Southern Abyssinia Harvard African Studies,* Volume III. Cambridge, Mass: Harvard University Press.

Chong, C. (2006). *Constructing Identities in a Women's Balkan Folklore Ensemble.* MUSICultures.

Côté-Arsenault, D., Brody, D., & Dombeck, M. T. (2009). Pregnancy as a rite of passage: Liminality, rituals and communitas. *Journal of Prenatal & Perinatal Psychology & Health*, *24*(2), 69.

Crabtree, B. F., & Miller, W. L. (1999). *Doing Qualitative Research* (2nd ed.). Thousand Oaks, CA: Sage.

Creswell, J. W. (2009). *Research Design: Qualitative, Quantitative and Mixed Methods Approach, third Edition*. Los Angeles: Sage Publications.

Cuddon, J. (1998). *A Dictionary of Literary Terms and Literary Theory*, 4th edn rev. CE Preston.

Damusee, D. (2012). *Ilaalcha Oromoo*. Finfinnee: Oromiyaa. Mana Maxxansaa Finfinnee.

De Beauvoir, S. (1949, 1953). The Second Sex, trans. and ed. HM Parshley. *Great Britain*: London.

De la Croix, D., & Mariani, F. (2015). From polygyny to serial monogamy: a unified theory of marriage institutions. *The Review of Economic Studies*, *82*(2), 565-607.

Deluca, P. E. M., & Evans, P. (2001). Social Exclusion and Children–Creating Identity Capital: *Some Conceptual Issues and Practical Solutions*.

Deressa, B. (2OO3). *Oromtitti;* The Forgotten Women in Ethiopian History. U.S.A: Ivy House Publishing Group.

DeWaal Malefijt, A. (1968). *Religion and culture: An introduction to anthropology of religion*.

Dominguez, B. E. (2010). Function of proverbs in discourse: The case of Mexican transnational social network. *Series-Contributions to the sociology of language USA: Walter de Gruyter*.

Dorson, R. (1972). *Folklore and Folklife: An Introduction*. Chicago and London: the University of Chicago Press.

Dundes, A. (1999). *International Foklorististics: Classic Controbutions by the Founders of Folklore*. Rowman & Littlefield Publishers, Inc.

Dunne, M. (2009). Gender as an entry point for addressing social exclusion and multiple disparities in education. In Technical Paper. *UNGEI Global Advisory Committee Technical Meeting* (Vol. 27).

Durkheim, E. (1933). *The Division of Labor in Society.* Translated by George Simpson. New York: The Free Press, 376.

Eagly, A. H. (1987). *Sex Differences in Social Behavior: A Social-role Interpretation*. Erlbaum: Hillsdale, NJ.

Eagly, A. H., & Wood, W. (1999). The origins of sex differences in human behavior: Evolved dispositions versus social roles. *American Psychologist*, 54(6), 408–423.

Eagly, A. H., Wood, W., & Diekman, A. B. (2000). Social role theory of sex differences and similarities: A current appraisal. *The developmental social psychology of gender, 12*(174), 9781410605245-12.

Eckert, P. and Ginet, S., (2003). *Language and Gender*. New York, Cambridge University Press.

Ember, C. R., Droe, A., & Russell, D. (2022). Residence and Kinship.

Emerson, R. M., Fretz, R. I., & Shaw, L. L. (1995). *Writing Ethnographic Fieldnotes*. Chicago: University of Chicago Press.

Etefa, T. (2012). *Integration and peace in East Africa: A history of the Oromo nation*. Springer.

Ezenweke, E. O. (2016). Rites of passage and sustainable development in traditional Africa: reflections for contemporary society. *Journal of religion and human relations*, 8(2), 19-34.

Facio, A. (2013). What is Patriarchy? Translated from Spanish by Michael Solis, *http://learnwhr. Org/wp-content/uploads/D-Facio-What-isPatriarchy*. pdf.

Fairclough, N. (1995). *Critical Discourse Analysis: The critical study of language.* New York: Longman.

________ (1989). *Language and power*. *London*: Longman.

Fleming, J., & Zegwaard, K. E. (2018). Methodologies, methods and ethical considerations for conducting research in work-integrated learning. *International Journal of Work-Integrated Learning*, 19(3), 205-213.

Flick, U. (2009). *An Introduction to Qualitative Research, 4th Edition*. London: SAGE Publications Ltd.

Forth, G. (2018). Rites of Passage. *The International Encyclopedia of Anthropology*, 1-7.

Foster, M. L. (2002). Symbolism: the foundation of culture. *Companion encyclopedia of anthropology,* 366-395.

Foucault, M. (1977b). *'History of systems of thought'*, in D. F. Bouchard (ed.) Language, Counter-memory, Practice, Oxford: Blackwell.

Foucault, M. (1998) The History of Sexuality *Volume 1*: The Will to Knowledge (Translated by Robert Hurley, Random House 1978) Penguin: London

Foucault, M. (2013). *Archaeology of knowledge*. Routledge.

Fox, N. J. (1998). Foucault, Foucauldians and sociology. *British Journal of Sociology*, 415-433.

Fromkin, V. A., Rodman, R., & Hyams, V. (1998). *An Introduction to Language 6e*. Orlando, FL: Hartcourt Brace College Publishers.

Gadaa, M. (1999). *Oromia: An Introduction to the History of the Oromo People*. Minnesota: Kirk House.

Gebissa, B. (2016). Oromo Indigenous Religion: *Waaqeffanna.* Volume III, Issue IV, April 2016

Geertz, Clifford. (1973). The Interpretation of Cultures. New York: Basic Books, Inc., Puhlishers.

Gencarella, S. O. (2009). Constituting folklore: a case for critical folklore studies. *Journal of American Folklore*, 122(484), 172-196.

Getahun, M. (2016) Oromo Indigenous Knowledge and Practices in Natural Resources Management: Land, Forest, and Water in Focus. *J Ecosys Ecograph* 6: 181 doi:10.4172/2157-7625.1000181

Giddens, A. (1991). *Modernity and Self-Identity, Self and Society in the Late Modern Age*. Cambrige, Polity Press/ Blackwell.

Gilman, L. (2019). Folklore and Folklife of Women, Men, and Other Gendered Identities. *Folklore Studies Program, Oxford University Press*, 2018

Given, L. M. (ed.) (2008). *The Sage Encyclopedia of Qualitative Research Methods*. California: Sage Publications, Inc.

Gnamo, A. (2014). Conquest and resistance in the Ethiopian empire, 1880-1974: The case of the Arsi Oromo. In *Conquest and Resistance in the Ethiopian Empire, 1880-1974*. Brill.

Golombok, S., & Fivush, R. (1994). *Gender development. London*: Cambridge University Press.

Gonfa, S. (2000). *Images of Women in the Proverbs and Sayings of the Oromo: The Case of West Arsi Area.* Unpublished M.A Thesis. Addis Ababa University.

Green, T. A. (1997). Folklore: An Encyclopaedia of Beliefs, Customs, Tales, Music, and Art. California: ABC-CLIO, Inc.

Greenhill, P., Locke, L., & Vaughan, T. A. (Eds.). (2009). *Encyclopedia of Women's Folklore and Folklife*. Greenwood Press.

Hall, S. (1996). *Introduction: Who needs 'identity'? In S. Hall & P. du Gay. (Eds.) Questions of cultural identity*. London: Sage.

Hasan, M. (1983). *The Oromo of Ethiopia, 1570-1860. With Special Emphasis On The Gibe Region*: Published by ProQuest LLC (2017).

Hayilee, A. (2014). *Sirna Gadaa Oromoo Tuulamaa*. Maxxansa 2^ffaa^. Oromiyaa, Itoophiyaa: A.M Printing & Packaging PLC.

Hayilee, A., Gonfaa, B., Dheeressaa, D., Bushaa, S. & Nuuree, U. (1998). *Seenaa Oromoo hanga Jaarraa 16^ffaa^*. Gulaallii 2^ffaa^. Oromiyaa, Itoophiyaa: Mana Maxxansaa Berhana Selam.

Henrich, J., Boyd, R., & Richerson, P. J. (2012). The puzzle of monogamous marriage. *Philosophical Transactions of the Royal Society B: Biological Sciences*, *367*(1589), 657-669.

Hofman, A. (2010). *Staging Socialist Femininity: Gender Politics and Folklore Performance in Serbia*. *Netherlands*: Koninklijke Brill NV, Leiden.

Hoskins, J. (2015). Symbolism in anthropology. *International Encyclopedia of the Social & Behavioral Sciences,* 2(23), 860-865.

Jacinto, G. A., & Buckey, J. W. (2013). Birth: A Rite of Passage. *International Journal of Childbirth Education,* 28(1).

Jackson, M.R. (1998). *Destined For Equality: The Inevitable Rise of Women's Status*. England: Harvard University Press.

Jalata, F. (2017). Include the Exclude: The Status and the Role of Women in the Oromoo Gadaa Institution. *Proceedings of the second International Conference on Oromoo Studies, Jimma University*.

Jalata, T. (2013). *Children and Oral Tradition among the Guji-Oromo in Southern Ethiopia.* Norwegian University of Science and Technology.

Jalata, T. (2019). Contesting Images of Womanhood: The Narrative Construction of Gender Relations in Ethiopia. *Published by the Center for African Studies, University of Florida*. ISSN: 2152-2448. Volume 18, Issue 3| May 2019.

Jost, J. T., Pelham, B. W., & Caravallo, M. (2002). Non-conscious forms of system-justification: Cognitive, affective, and behavioural preferences for higher status groups. *Journal of Experimental Social Psychology, 38*, 586–602.

Kalmijn, M. (2004). Marriage rituals as reinforcers of role transitions: An analysis of weddings in the Netherlands. *Journal of Marriage and Family*, 66(3), 582-594.

Kangas, A., & Vestheim, G. (2010). Institutionalism, cultural institutions and cultural policy in the Nordic countries. *Nordisk kulturpolitisk tidsskrift*, 13(2), 267-284.

Kasim, M. N. (2017). Gender Gap In Granting The Customary Title “Pohutu Momulanga” In Gorontalo. *January Edition: Universitas Negeri Gorontalo Borderless communities & nations with borders,* 882.

Kassam, A. (1999). Ritual and Classification: A Study of the Booran Oromo Terminal Sacred Grade Rites of Passage. *Bulletin of the School of Oriental and African Studies, University of London*, 1999, Vol. 62, No. 3 (1999), pp. 484-503.

Kearney, P. J. (2009). The Barretstown experience: a rite of passage. *Irish Journal of Sociology*, *17*(2), 72-89.

Kelbessa, W. (2001). *Traditional Oromo Attitudes towards the Environment: An Argument for Environmentally Sound Development.* Addis-Ababa: Ethiopia, OSSREA.

Khan, S. (2012). Topic guide on social exclusion. *Birmingham: Governance and Social Development Resource Centre.*

Kumsa, K. 1997. The Siiqqee Institution of Oromoo Women. *Journal of Oromoo Studies.* V.4, No. 1 &2, pp. 115-152.

Kuto, L., Bacha, A., & Taye, G. (2018). Indigenous Institutions of Women: The Case of Wijjoo Among Arsii Oromoo, Ethiopia. *Kafaah: Journal of Gender Studies*, *8*(1), 1-14.

Kyalo, P. (2013). Initiation rites and rituals in African cosmology. *International Journal of Philosophy and Theology*, 1(1), 34-46.

Laes, C. (2014). Infants between Biological and Social Birth in Antiquity: A Phenomenon of the" Longue Durée". *Historia: Zeitschrift für Alte Geschichte*, 364-383.

Leach, E. 1968. 'Ritual' In the International Encyclopaedia of the Social Sciences. Vol. 13. Ed. *David L Sills; New York; Macmillan*; p.526.

Lee, J. W. (editor), (2005). *Gender roles*. New York: Nova Biomedical Books.

Leeuwen, T.V. (2008). *Discourse and Practice: New Tools for Critical Discourse Analysis.* Oxford University Press, Inc.

Lenoir, R. (1974). The excluded, one in ten French. *Paris: second current Points Collection*, *180*.

Lorber, J. (1994). Night to his day": The social construction of gender. *Paradoxes of gender*, 1, 1-8.

Lövkrona, I. (1998). Erotic narrative and the construction of gender in premodern Sweden. *Journal of Folklore Research*, *35*(2), 145-156.

Madanipour, A. (2018). Social exclusion and space. *In The city reader* (pp. 237-245). Routledge.

Makama, G. A. (2013). Patriarchy and gender inequality in Nigeria: The way forward. *European scientific journal*, 9(17).

Malang, M. (2017). Gender Construction in Nusantart Folklore January Edition Sugiarti. *President Pathumthani University*, 725.

Mamosadi, K. P. (2023). *An exploration of the mourning rituals of the people of Bethal in the Mpumalanga Province of South Africa.* Unpublished PhD Dissertation University of the Witwatersrand, Johannesburg.

Markstrom, C. A., & Iborra, A. (2003). Adolescent Identity Formation and Rites of Passage: The Navajo Kinaalda ceremony for girls. *Journal of research on adolescence*, 13(4), 399-425.

Mascareño, A. & Carvajal, F. (2015). The different faces of inclusion and exclusion. *CEPAL review*.

Mason J. (2002). *Qualitative Researching*: London, British Library Cataloguing in Publication Data, 2nd edition.

McKay, T. (2013). Female self-objectification: Causes, consequences and prevention. *McNair Scholars Research Journal*, 6(1), 7.

McNeill, L.S. (2013). *Folklore Rules: A Fun, Quick, and Useful Introduction to the Field of Academic Folklore Studies*. USA: Utah State University Press.

Mead, G. H., & Mind, H. (1934). Self and society. *Chicago: University of Chicago*, 173-175.

Megerssa, M. & Kassam, A. (2019). *Sacred Kwnowledge Traditions of the Oromo of the Horn of Africa*. Ethiopia: Artist Printing Enterprise.

Milazzo, A. (2014). Son preference, Fertility and Family Structure: Evidence from Reproductive Behavior among Nigerian Women. *World Bank Policy Research Working Paper*, (6869).

Mori, B. B. (2014). Music in the Social and Behavioral Sciences: An Encyclopedia: Rituals. *SAGE Publications, Inc.* Print pages: 966-970.

Moyo, H. (2014). Gendered Mourning and Grieving Gituals amongst the JahundaPpeople of Zimbabwe as a Challenge to the Pastoral Care Ministry of the Church. *Black Theology*, 12(3), 213-229.

Mulamba, N. G. (2013). Luba Folklore and Women's Ethno-gendered Discourse of Wifehood in "Cintu Wa Bujitu". *Afrika Focus*, 26(2), 47-79.

Murchison, J. (2010). *Ethnography essentials: Designing, conducting, and presenting your* research (Vol. 25). John Wiley & Sons.

Nagara, G. (2017). The Cultural Expression of Xunduu (Coupling) in Oromo Knowledge of Gender, *Sociology and Anthropology* 5(1): 76-84, at http://www.hrpub.org.

Neculaesei A. N., (2015). Culture and Gender Role Differences. *Cross-Cultural Management Journal*, Volume XVII, Issue 1 (7) / 2015

Ngabonziza, A. J., Sibomana, E., Niyibizi, E., & Ndayambaje, I. (2019). Gender Identity Construction through Traditional and Modern Lenses: Rwandan Narratives and MDGs Perspectives. *Studies in Media and Communication*, 7(1), 95-102.

Ninole, A. (1999). Gender, Culture and Folklore. Christiana Institute for Women's Studies, *University of Helsinki.* ELO, 5 (1999), pp. 21 – 42

Nnaemeka, O. (ed.) (1997). *The Politics of (M)Othering: Womanhood, Identity and Resistance in African Literature*. Routledge.

Nwadiokwu, C. N., Nwadiokwu, E. S., Favour, E. N., & Okwuazun, M. E. (2016). Rites of passage African traditional region. *International Journal of Education and Research*, *4*(9), 41-50.

Nwosu, I. A., Njemanze, V. C., Ekpechu, J., & Popoola, B. (2017). Socio-cultural context of death and mourning practices in rural Igbo communities of Nigeria. *IOSR Journal of Humanities and Social Science*, *22*(8), 47-57.

Offen, K. (1988). Defining feminism: A comparative historical approach. *Signs: Journal of women in culture and society*, *14*(1), 119-157.

Østebø, M. T. (2009). Wayyuu—Women's respect and rights among the Arsi-Oromo. In *Proceedings of the 16th International Conference of Ethiopian Studies, ed. by Svein Ege, Harald Aspen, Birhanu Teferra and Shiferaw Bekele, Trondheim*.

________ (2015).Translations of Gender Equality among Rural Arsi Oromo in Ethiopia. Development and Change 46(3): 442–463.

Parkes-Nield, S. (2022). Can calendar customs engender stewardship of our natural environment? An investigation into real world and fictional calendar customs in the UK and their potential for environmental engagement. *Green Letters*, 1-14.

Parsons, T., & Bales, R. F. (Eds.) (1955). *Family, socialization and interaction process*. New York: Free Press.

Pearson, J.C., West, R.L. & Turner, L.H. (1995). *Gender & Communication*. Brown & Benchmark.

Perecman, E., & Curran, S. R. (2006). *A handbook for social science field research: essays & bibliographic sources on research design and methods.* Sage Publications.

Philips, A. A. B., & Jones, J. (2005). *Polygamy in Islam*. Saudi Arabia: International Islamic Publishing House.

Pink, S. (2007). *Doing visual ethnography*. Sage.

Radcliffe-Brown A.R. (1922). *The Andaman Islanders: A Study in Social Organization*. Illinois: The Free Press.

Rasing, T. (1995). Passing on the rites of passage: *Girls' initiation rites in the context of an urban Roman Catholic community on the Zambian Copperbelt* (Vol. 6). Avebury.

Rawal, N. (2008). Social inclusion and exclusion: A review. *Dhaulagiri Journal of Sociology and Anthropology*, 2, 161-180.

Room, G. (1999), 'Social exclusion, solidarity and the challenge of globalization', *International Journal of Social Welfare*, 8, 166–174.

Saltzman, R. H. (1987). Folklore, Feminism, and the Folk: Whose Lore Is It? *Journal of American folklore*, 548-562.

Sanday, P. R. (2018). Matriarchy. *The International Encyclopedia of Anthropology*, 1-7.

Sapiro, V. (1994). *Women in American Society: An Introduction to Women's Studies* (3rded.). Mayfi eld Publishing, London.

Saraceno, C. (2001, May). Social exclusion: Cultural roots and diversities of a popular concept. *In conference Social exclusion and children, at the Institute for Child and Family Policy, Columbia University, New York* (pp. 3-4).

Schaefer, R. T., & Lamm, R. P. (1995). Sociology, 5. Baskı, Illinois.

Searle, J. (1995). *The Construction of Social Reality*. The Free Press.

Senkoro, F. E. M. K. (2005). Understanding gender through Genre: Oral literature as a vehicle for gender studies in East Africa. *Elizabeth le Roux, Mildred AJ Ndeda, George Nyamndi, FEMK Senkoro and Isaac Ssetuba, Gender, Literature and Religion in Africa. Senegal: Council for the Development of Social Science Research in Africa*.

Shelema, H. (2010). *Role of Proverbs as a Means of Constructing and Perpetuating Gender Inequality in West Shoa Oromo Culture: The Case of Tukur Enchine*. Unpublished M.A Thesis. Addis Ababa University.

Sieber, J. E. 1998. *Planning Ethically Responsible Research, pp. 127-156.* In Bickman, D. R. (Eds.), Handbook of Applied Social Research Methods. Thousand Oaks, CA: Sage.

Sigdel, S. B. (2018). Culture and Symbolism Nexus in Anthropology. *Janapriya Research and Consultancy Center* (JRCC), 124.

Silver, H. (2007). The process of social exclusion: the dynamics of an evolving concept. *Chronic Poverty Research Centre Working Paper*, (95).

Sims, M.C. & Stephens, M. (2005). *Living Folklore: An Introduction to the Study of People and Their Tradition.* Longman: Utah State University Press.

Sultana, N. (2018). Construction of feminine discourse through proverbs: A post-modern approach to study folklore. *Peoples' Preface*, 99.

Sumner, Cluod. (1995). *Oromo Wisdom Literature. Proverbs collection and analysis*. Addis Ababa: Gudina Tumsa Foundation.

Ta'a, T. (2012). Religious beliefs among the Oromo: Waaqeffannaa, Christianity and Islam in the context of ethnic identity, citizenship and integration. *Ethiopian Journal of the Social Sciences and Humanities*, *8*(1), 87-111.

Talakinu, C. M. (2018). “I Am Because of What I Know I Have”: A Descriptive Analysis of Chinamwali in Preparing Women for Womanhood, Sexual Life and Reproduction. Africology: *The Journal Pan African Studies*, vol.12, no.7.

Tarrayo, V. N (2014). Gendered Word (Or World): Sexism in Philippine Preschool English Language Textbooks. *Journal on English Language Teaching* Vol. 4, No. 2.

Thompson, T. P., & Sanabria, J. (2010). *Division of Labor and Agricultural Innovation in Bangladesh*. International Center for Soil Fertility and Agricultural Development.

Thomson, S. B. (2011). Qualitative research: validity. *Joaag*, *6*(1), 77-82.

Tsega, E. (2012). Integration and Peace in East Africa: A History of the Oromo Nation. Published by PALGRAVE Macmillan Limited.

Turner, V. W. (1961). *Ndembu divination: its symbolism & techniques*. Great Britain: Manchester University Press.

___________ (1969). *The Ritual Process Structure and Anti-Structure*: United States of America Cornell University Press.

Tyson, L. (2006). *Critical Theory Today: A User-Friendly Guide. 2nd ed.* New York: Routledge.

Underwood, M. K., Scott, B. L., Galperin, M. B., Bjornstad, G. J., & Sexton, A. M. (2004). An observational study of social exclusion under varied conditions: *Gender and developmental differences. Child Development*, 75(5), 1538-1555.

Van Gennep, A. (1909). *Les Rites de Passage Tr. The Rites of Passage in 1960 reprint 2004*. London: Routledge.

Waliyie, J. (2004). A Cultural Representation of Women in the Oromo Society, *African Study Monographs* 25(3): 103-147, October 2004.

________ (2005). The Social and Ethno-Cultural Construction of Masculinity Femininity in African Proverbs. *African Study Monographs*, 26(2): 59-87, August 2005.

Walker, R. S. (2015). Human Residence Patterns. Emerging Trends in the Social and Behavioral Sciences: *An Interdisciplinary, Searchable, and Linkable Resource,* 1-8.

Wesselmann, E. D., Grzybowski, M. R., Steakley-Freeman, D. M., DeSouza, E. R., Nezlek, J. B., & Williams, K. D. (2016). Social exclusion in everyday life. *Social exclusion: Psychological approaches to understanding and reducing its impact,* 3-23.

Wienclaw, R. A. (2011). *Sociology reference: guide gender roles & equality*. Nova York: The Editors of Salem Press.

Wood, W., & Eagly, A. H. (2002). A cross-cultural analysis of the behavior of women and men: Implications for the origins of sex differences. *Psychological Bulletin*, 128, 699–727.

Wulf, C. (2015). The Birth as a Rite of Passage from Man to Father. *Journal of Gender and Power*, 3(1), 11-23.

አመራ, ደ. (2007). *የሕይወት ኡደት (ወሊድ፣ ጋብቻ፣ ሞት) ስረኣቶች ክዋኔ ትንተና በወሊሶ ሊበን ኦሮሞ*። Unpublished PhD Dissertation. Addis Ababa University.

ተሊላ, ጥ. (2007). *የቱለማ ኦሮሞ መርሣ ወቅቶች ፎክሎር አውዳዊ ጥናት።* Unpublished PhD Dissertation. Addis Ababa University.

መኮንን አ. ተ. (2007). *የዋግ ህምራ የወሊድ፤ ጋብቻና፤ የሞት ስኑ-ስረዓት ፋይዳ ትንተና*። Unpublished PhD Dissertation. Addis Ababa University.

## Dabaleewwan

## Dabalee A

**Gaaffilee Qajeelchoo afgaafii manguddooleef dhihaatan:**

1. Akka aadaafi duudhaa naannoo keessaniitti dhiiraafi dubartiin akkamiin ibsamuu? Koornayaan akkamiin ilaalamaa?
2. Sirnoonni marsaa jireenyaa—dhaloota, gaa'elaafi boo'icharratti raaw'ileen ta'an akkamiin koornayaa ibsuun ijaaruu?
3. Sirnoota marsaa jireenyaarratti ilaalchi koornayaa maal maal fa'a gochuun mul'ataa?
4. Akka aadaatti maatiin ijoollee argachuu yoo barbaadan dhiira moo durba irra argachuu fedhuu?
5. Lamaan keessaa tokkorra fedhu yoo ta'e maaliifi?
6. Argannaa/dhalachuu ilmoo dhiiraa ykn dubartiitiin walqabatee wantoonni raaw'ataman maal fa'ii?
7. Sirna dhalootarratti fakkoommiiwwan koornayaa mul'isan kanneen akkamiitu jiraa?
8. Maatiin ijoollee guddisuurratti waan raaw'achuu qaban, fakkeenyaaf: uffatarratti, nyaatarratti, addabaabaayiirratti hirmaachisuu, kunuunsa gochuufi kkf irratti ijoollee dhiiraafi dubartii ilaaluurratti haallonni jiran maal fakkaatuu?
9. Fuudhaaf heeruma keessatti hawaasni akkamiin koornayaa (hawwii gaarii misirrootaaf qaban fa'arratti) ibsaa?
10. Raaw'ileen yeroo fuudhaaf heerumaan raaw'ataman akkamiin koornayaa ibsu, ijaaruu?
11. Sirna fuudhaa heerumaarratti fakkoommiiwwan koornayaa mul'isan kanneen akkamiitii?
12. Sirna boo'ichaarratti wantoonni yoo dhiirri du'e raaw'ataman kan yoo dubartiin duute raaw'atamanirraa addummaa qabuu?
13. Abbaan warraa haati warraa jalaa duuteefi haati warraa abbaan warraarraa du'e akkamiin gaddasaanii mul'isuu? Addummaa qabaa?

14. Sirnoonni hawaasaa dhiiraafi dubartiin waliinirratti hirmaatan ykn adda addaatti hirmaatan ykn kan gareen tokko qofti hirmaatu jiruu?
15. Yoo kan gareen tokko qofti akka hirmaatu hayyamamu ta'e maaliifi? Sirnoonni kunneen maal fa'ii? Fakkeenyaaf: sirna fuudhaaf heerumaa (saddeeta dhaabbachuu), jaarsummaa taa'uu, qixxee taa'uu, sirna Waaqeffannaa, sirna Gadaafi sirnoota hawaasaa biroo fa'a.
16. Dhiiraafi dubartiin eenyummaan hawaasni isaaniif kenne (sirriis haa ta'uu dogoggora) akka itti fufu gochuurratti gahee akkamii qabuu?
17. Gaheen hojii dhiiraafi dubartiin hawaasa keessatti qaban kan yeroo durii maal fakkaataa? Kan ammaa hoo? Ammaaf yeroon durii tokkummaafi garaagarummaa maalii qabuu?
18. Akkaataan dhiiraafi dubartiin gama aadaafi duudhaatiin itti ibsaman ykn hubataman eegeree ykn boruu hawaasaa (keessaayyuu, eenyummaa dhiiraafi dubartiin hawaasa keessatti qaban) bocuurratti gahee/dhiibbaa akkamii qabaa?
19. Raaw'iilee sirnoota marsaa jireenyaarratti jijjiiramni yeroo ammaa mul'achaa jiru kan akkamiitii?
20. Raaw'ilee sirnoota marsaa jireenyaarratti ijjiiramni akka dhufuuf wantoonni gumaachaa taasisan maal fa'ii?

## Dabalee B

**Odeeffannoo Odeef-kennitootaa**

| Maqaa | Saala | Umrii | Iddoo Argamasaanii | Gaheesaanii |
|---|---|---|---|---|
| H/Abdoo H/Dhaqqaboo | Dh | 73 | A/Heexosaa | Manguddoo |
| Ashoo Tongolaa | D | 52 | A/Heexosaa | Haadha Siinqee** |
| Qaasoo Gammachuu | Dh | 78 | A/Muunessaa | Manguddoo |
| Aliimaa Yaaddoo | Du | 54 | A/Muunessaa | Haadha Siinqee** |
| Aayyolee Gannaa | D | 53 | A/Muunessaa | Haadha Siinqee** |
| Amiinoo Gammachuu | Dh | 62 | A/Heexosaa | Intala Heerumsiise |
| Daanyuu Rabboo | D | 54 | A/Heexosaa | Haadha Siinqee** |
| Dammoo Galattoo | Dh | 63 | A/Heexosaa | Manguddoo |
| Faaxumaa Huseen | D | 52 | A/Heexosaa | Haadha Siinqee** |
| Waabee Saaddoo | Dh | 48 | A/Diksiis | Abbaa Gadaa* |
| Gannaalee Woyyaa | D | 58 | A/Heexosaa | Deessiftuu |
| Gishuu Kadiir | D | 52 | A/Heexosaa | Haadha Siinqee** |
| H/Gammachuu Mi’eessoo | Dh | 67 | A/Muunessaa | Abbaa Gadaa* |
| Dammoo Boonsoo | Dh | 69 | A/Muunessaa | Abbaa Gadaa* |
| Xajjituu Waadoo | D | 40 | A/Muunessaa | Hojjettuu BATA |
| Kusaa Deettii | Dh | 69 | A/Heexosaa | Manguddoo |
| Muhaammad Rashaad | Dh | 38 | A/Heexosaa | Hojjetaa BATA*** |
| Miliyoon Kadiir | D | 56 | A/Heexosaa | Intala heerumsiiste |
| Taajuree Aadam | Dh | 68 | A/Diksiis | Manguddoo |
| Redwaan Huseen | Dh | 39 | A/Diksiis | Hojjetaa BATA*** |
| Muhaammad Gammachuu | Dh | 65 | A/Diksiis | Abbaa Gadaa* |
| Huseen Mahaammad | Dh | 45 | A/Muunessaa | Ilmatti fuudhe |
| Abdulqaadir Fajjisoo | Dh | 56 | A/Muunessaa | Aadaarratti beekumsa qaban |
| Fayyisoo Amaan | Dh | 49 | A/Diksiis | Ilmatti fuudhe |
| Dhaqqaboo Kimoo | Dh | 68 | A/Muunessaa | Hojjetaa BATA*** |
| Abdoo Fayyisaa | Dh | 36 | A/Muunessaa | Hojjetaa BATA*** |
| Baalchaa Tufaa | Dhi | 64 | A/Heexosaa | Manguddoo |
| Makkoo Jeylaan | D | 53 | A/Diksiis | Deessiftuu |
| Sa’id Abdoo | Dh | 42 | A/Heexosaa | Beekumsa aadaa qabu |
| H/Aloo Dhaqqaboo | Dh | 65 | A/Heexosaa | Ilmatti fuudhan |
| Xaawuu Raaboo | Dh | 61 | A/Diksiis | Manguddoo |
| Amiinaa Galatoo | Dh | 60 | A/Muunessaa | Manguddoo |
| Muhaammad Aadam | Dh | 40 | A/Heexosaa | Hojjetaa BATA*** |
| Leencoo Jiruu | Dh | 76 | A/Heexosaa | Abbaa Gadaa* |
| Ahmed Galatoo (Abbaa Arsii) | Dh | 51 | A/Heexosaa | Gumaa Fixaa |
| Xuubaa Kaayoo | D | 70 | Aanaa Diksiis | Manguddoo |
| H/Huseen Tololaa | Dh | 75 | A/Heexosaa | Manguddoo |
| Sh/Muhaammad Abbaas | Dh | 60 | A/Heexosaa | Abbaa Amantii |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| Goobana Nagahoo | Dh | 75 | Aanaa Diksiis | Manguddoo |
| Fayyoo Garoo | Dh | 74 | A/Muunessaa | Manguddoo |
| Gannaa Amdaa | Dh | 69 | Aanaa Diksiis | Manguddoo |
| Safiyaa Burqaa | D | 61 | A/Diksiis | Haadha Siinqee** |
| Amaanee Laloo | D | 47 | A/Diksiis | Faaruu Gaa'elaa |
| Taarikuu Hordofaa | Dh | 68 | A/Heexosaa | Manguddoo |
| Aashaa Kadii | D | 27 | A/Diksiis | Deessuu ulmaa turte |
| Shittoo Nuuraa | D | 39 | A/Muunessaa | Deessuu ulmaa turte |
| Xayyibaa Sh/Galatoo | D | 56 | A/Diksiis | Manguddoo |
| Nafiisaa Kadiir | D | 81 | A/Diksiis | Manguddoo |
| Rahiimaa Nuuraa | D | 25 | A/Heexosaa | Membeetoon Heerumte |
| Muktaar Abraahim | Dh | 55 | A/Heexosaa | Abbaa Amantii |
| Misraa Yusuf | D | 30 | A/Heexosaa | Deessuu ulmaa turte |

***** Abbootii Gadaa Sikkoo Mandoo reefu deebi'aafi dandamachaa jirurratti gahee qaban, duudhaa Arsiirratti beekumsa bal'aa qabaniifi ogeessota Biiroo Aadaa Turizimii Aanaalee waliin hojjechaa jiran, dhimmoota aadaan walqabataniifi rakkoolee hawaasaa—araarsuu, gumaa baasuufi kkf hiikuurratti gahee bahaa jiraniidha.

****** Haadholii Siinqee kan jedhaman haadholii yeroo ammaa gama Biiroo Aadaa Turizimii Aanaaleetiin akkuma abbootii Gadaa dhimmoota hawaasaa aadaafi duudhaan walqabatanirratti bal'inaan hojjechaa jiraniidha.

******* Hojjetoota Biiroo Aadaa Turizimii Aanaalee duudhaafi aadaarratti bal'inaan ummata waliin hojjeta, godambaa keessatti fokloorii walitti qabuun qindeessan, yoo daaw'attoonni dhaqan ibsa laataniidha.

# Dabalee C

## Kaartaa Naannoo Qorannoo Agarsiisu

